INISTIITIYUUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAAFI QORANNOO SEERAA OROMIYAA
BIIROO BULCHIINSAAFI ITTI FAYYADAMA LAFAA OROMIYAA
MANA MURTII WALIIGALA OROMIYAA

# Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa:

## Xiinxala Heeraa, Seeraafi Hojimaataa

***Qorattoonni**:* 1) Tafarii Baqqalaa,ILQSO
2) Waaqgaarii Dullumee, ILQSO
3) Daawwit Abdiisaa, BBILO
4) Jifaaraa Bitimaa, BBILO
5) Abdii Gurmeessaa, MMWO
6) Taakkaaliny Dhiyaanaa,Yun. OB

***Gulaaltonni:*** 1) Tasfaayee Booressaa
2) Dassaaleny Biraanuu
3) Tashoomaa Shifarraa

Muddee 2014

ADAAMAA, FINFINNEE

**Baafata**

Gabaajeewwan

Galata

BOQONNAA TOKKO ... 7
KA'UMSAAFI ADEEMSA QORANNICHAA ... 7
1.1. Dugda-duuba Qorannoo ... 7
1.2. Hima Rakkoo ... 9
1.3. Gaaffilee Qorannoo ... 12
1.4. Sakatta'a Hog-barruu ... 12
1.5. Kaayyoo Qorannichaa ... 14
1.5.1. Kaayyoo Gooroo ... 14
1.5.2. Kaayyolee Gooree ... 14
1.6. Mala Qorannoo ... 14
1.7. Faayidaa Qorannichaa ... 21
1.8. Fayyadamtoota Qorannichaa ... 22
1.9. Daangaa Qorannoo ... 23
1.10. Rakkoolee Mudachuu Malanii fi Furmaata Isaanii ... 23
1.11. Gurmaa'insa Qorannichaa ... 23
BOQONNAA LAMA ... 24
GODAYYAA BU'UURAA YAADDAMOOTAA, SEEROTAA, GURMAA'INSA BULCHIINSA LAFAA FI MUUXANNOO NAANNOLEE FI BIYYOOTAA ... 24
2.1. Yaaddamoota Abbaa Qabeenyummaa Lafaa ... 24
2.1.1. Yaaddama Abbaa Qabeenyummaa Dhuunfaa Lafaa (The Privatization Perspective) ... 25
2.1.2. Yaaddama Seerota Lafaa Keessa Deebiin Ilaaluu (The Revisionist Perspective) ... 28
2.1.3. Yaaddama Abbaa Qabeenyummaa Lafaa Gamtaa ( The Associative Ownership Perspective) 29
2.1.4. Yaaddama Abbaa Qabeenyummaa Lafaa Uummataa (The Public Ownership Perspective) ... 31
2.2.3. Seerota Lafaa Yeroo Ammaa Jiran (Bara 1991 booda) ... 37
2.2.3.1. Seerota Lafa Akka Mootummaa Federaalaatti Jiran ... 38
2.2.3.2. Seerota Lafaa Akka Naannoo Oromiyaatti ... 42
2.2.3.2.1. Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa ... 42
2.2.3.2.2. Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa (Labsii Lakk. 130/99) ... 42
2.2.3.2.3. Danbii Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa (Danbii Lakk.151/2012) ... 44

2.3. Gurmaa'insaa fi Bulchiinsa Lafaa ........ 45
2.3.1. Seensa ........ 45
2.3.2. Qajeeltoowwan Bulchiinsa Lafaa Gaarii ........ 46
2.3.3. Godayyaawwan Bu'uura Seeraa fi Dhaabbataa (Legal and Institutional Framework) ........ 49
2.3.3.1. Karoora Itti Fayyadamaa, Bulchiinsaafi Taaksii Lafaa (Land Use Planning, Management, and Taxation) ........ 50
2.3.3.2. Bulchiinsa Lafa Hawaasaa (Management of Public Land) ........ 50
2.3.3.3. Sirna Odeeffannoo Dhimma Lafaa (Public Provision of Land Information) ........ 51
2.3.3.4. Waldiddaa Hiikuu (Dispute Resolution and Conflict Management) ........ 51
2.3.4. Caaseffamaa fi Aangoo Dhaabbillee Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafaa ........ 52
2.3.4.1. Caaaseffama ........ 52
2.3.4.2. Aangoo fi Gahee Hojii ........ 59
2.4. Muuxannoo Biyyoota Ambaa ........ 62
2.4.1. Muuxannoo Biyya Filippiinsi ........ 63
2.4.2. Muuxannoo Biyya Taanzaniyaa ........ 65
2.4.3. Muuxannoo Biyya Chaayinaa ........ 70
2.4.4. Muuxannoo Biyya Burkiinaa Faasoo ........ 72
2.4.5. Muuxannoo Biyya Naayijeeriyaa ........ 76
2.5. Muuxannoo Mootummaa Naannolee Itoophiyaa ........ 81
2.5.1. Muuxannoo Naannoo Amaaraa ........ 81
2.5.2. Muuxannoo Naannoo Tigiraay ........ 88
2.5.3. Muuxannoo Naannoo Beenishaangul Gumuz ........ 90
2.5.4. Muuxannoo Naannoo Saboota, Sablammootaafi Uummattoota Kibbaa ........ 96
BOQONNAA SADII ........ 101
BULCHIINSAA FI ITTI FAYYADAMA LAFA BAADIYYAA NAANNOO OROMIYAA: XIINXALA DAATAA ........ 101
3.1. Aangoo Seera Lafaa Baasuu ........ 101
3.2. Sirna Argannaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa ........ 107
3.2.1. Argannaafi Dabarsa Seera-Qabeessaa (Lawful Rural Land Use Transaction) ........ 108
3.2.1.1. Kenna Mootummaa ........ 108
3.2.1.2.Dhaaltummaa ........ 111
3.2.1.3. Kennaa ........ 119
3.2.1.4. Kiraa ........ 127
3.2.1.5. Ooyiruu Walitti Fiduu/Aansuu (Consolidation of Farm Plots) ........ 131

3.2.1.6. Qabiyyee Lafaa Waljijjiiruu/Land Holding Exchange.... 132
3.2.1.7. Hirtaa.... 136
3.2.1.8. Waliin Misoomsuu.... 138
3.2.1.9. Qoodinsa Qabiyyee Haadhawarraa fi Abbaawarraa.... 141
3.2.2. Argannaafi Dabarsa Seera-qabeessa Hin taane (Unlawful Rural.... 154
Land Transaction).... 154
3.2.2.1. Bittaa fi Gurgurtaa.... 155
3.2.2.2. Qabannaa fi Qubannaa Seeraan Alaa.... 161
3.2.2.3. Darbinsa Yeroo.... 165
3.2.3. Argannaa fi Dabarsa Seeraan Beekamtii Qabaachuu Malu Garuu Hin Qabne.... 173
3.2.3.1.Wabiin Qabsiisanii Liqeeffachuu.... 173
3.3. Bulchiinsa Lafaa Ilaalchisee.... 176
3.3.1. Kallattii Qajeeltoowwan Bulchiinsa Lafaa Gaariin Yoo Madaallu.... 176
3.3.2. Sababoota Bu’a-qabeessummaa Bulchiinsa Lafaa Miidhan.... 184
3.3.2.1. Karoorri Itti Fayyadama Lafaa Sirnaan Diriire Dhibuu.... 184
3.3.2.2. Qabinsaa fi Qulqullina Ragaa.... 186
3.3.2.3. Qindoominni Cimaa Qaamolee Rogummaa Qabanii Dhibuu.... 193
3.3.2.4. Imaammanni Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Dhibuu.... 195
3.3.2.5. Walharkaa Fuudhinsa Lafa Baadiyyaa Pilaaniidhaan Magaalaa Jala Gale.... 197
Bu’a-qabeessa Ta’uu Dhabuu.... 197
3.3.3. Hanqinoota Bulchiinsa Lafaa Gosa Itti Fayyadamaatiin.... 202
3.3.3.1. Bulchiinsa Lafa Horsiisee Bulaa.... 202
3.3.3.2. Bulchiinsa Lafa Bosonaa.... 207
3.3.3.3. Bulchiinsa Lafa Investimentii.... 211
3.3.3.4. Lafa Jallisii.... 214
3.4. Akkaataa Falmiin/Waldiddaan Lafa Baadiyyaa Itti Hiikamu.... 218
3.4.1. Seensa.... 218
3.4.2. Ka’umsa Wal-diddaa/Falmii Lafa Baadiyyaa.... 219
3.4.3. Adeemsa Wal-diddaan Lafa Baadiyyaa Itti Hiikamu.... 220
BOQONNAA AFUR.... 234
YAADOTA GUDUNFAAFI FURMAATAA.... 234
4.1. Yaadota Gudunfaa.... 234
4.2. Yaadota Furmaataa.... 241
4.2.1. Aangoo Seera Lafaa Baasuu Ilaalchisee.... 241

4.2.2. Dabarsaafi Bulchiinsa Lafaa Ilaalchisee ........ 241
4.2.3.Hiikkaa Waldiddaa (Falmii ) Lafaa Ilaalchisee ........ 248
Gaaffiiwwan........ 250
Wabiiwwan ........ 269

**Gabaajeewwan (Acronyms)**

*ADR* Alternative Dispute Resolution

*BBILBO* Biiroo Bulchiinsaa fi Fayyadama Lafa Baadiyyaa Oromiyaa

*HRS* Household Responsibility System

*ILQSO* Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa

*LBFLB* Labsii Bulchiinsaa fi Fayyadama Lafa Baadiyaa

*MMA* Mana Murtii Aanaa

*MMGAON* Mana Murtii Olaanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee

*MMO* Mana Murtii Olaanaa

*MMWO* Mana Murtii Waliigala Oromiyaa

*RDFI* Rippabilika Dimokiraatawaa Federaalaawaa Itoophiyaa

*USAID*United States Agency for International Development

*WBIFLB*Waajjira Bulchiinsaa fi Fayyadama Lafa Baadiyyaa

*SDFHH* Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa

*YOB* Yuunivarsiitii Odaa Bultum

***Galata***

Qorannoon kun milkaa'uu kan danda'e deeggarsa namootaa fi dhaabbilee miti mootummaa fi mootummaa sadarkaa biiroo irraa hamma gandaatti jiraniin waan ta'eef, gareen qorattootaa kunqooda fudhattoota qorannoo kanaaf galata galchuu barbaada. Kanaafuu, namoonni dhuunfaanis ta'e, dhaabbileen mootummaa afgaaffii fi bargaaffii isiniif dhiyaateef deebii barbaachisu waan nuuf kennitaniif, dhimmoota qabatamaa (galmee) qorannoo keenya wajjiin rogummaa qabu akka argannuuf haala waan nuuf mijeessitaniif, akkasumas deeggarsa maallaqaa fi loojistikii hojii daataa funaanuuf nu barbaachisu nu gumaachuudhaan waan bira dhaabbattaniif galatoomaa isiniin jenna.

## BOQONNAA TOKKO

## KA'UMSAAFI ADEEMSA QORANNICHAA

### 1.1. Dugda-duuba Qorannoo

Hawaasa kamiyyuu keessatti lafti qabeenya murteessaa kan hawaasummaa, aadaafi diinagdee hawaasichaatiif gahee guddaa qabuudha.[1] Kana jechuun, lafti dachee irra adeeman qofa osoo hin taane, bu'uurarraa haala itti namni iddoo jireenya isaatii itti yaadu ta'uu agarsisa. Keessattuu, biyyoota guddataa jiraniif lafti madda galii qofa osoo hin taane, eenyummaa fi aadaa saba sanaatiin walqabata.[2]Kanumaafis fakkaata dhimmi lafaa yeroo ka'utti kan hawaasni miirawee deebii kennu.Laftiguddina diinagdee biyyaatiif wantoota murteessaa ta'an keessaa isa tokko. Jechi lafa jedhu bal'atee hiikamuu kan qabu yoo ta'u; qaamota bishaanii kan akka [haroo, laggeenii fi galaanaa] akkasumas iddoo lafa jalaafi lafaan olii ni dabalata.[3] Qabeenyi lafaa kun uumamaan hangi isaa murtaa'aa dha. Fedhiifi dorgommiin qabeenya kana irratti jiru garuu sababoota akka: saffisaan baay'achuu ummataa, babal'ina magaalaa, guddina diinagdee fi kkf tiin yeroo gara yerootti dabalaa jira. Waan ta'eefuu, yoo sirni bulchiinsa lafaa gaarii hin taane lafti guddina diinagdee biyyaaf gumaachuurra madda waldhabbii ta'uu danda'a.

Bulchiinsi lafaa, lafaafi nama walitti fiduun; akkamitti, maaliif, yoomiifi eenyu lafichatti akka fayyadamu kan murteessu dha. Sirni bulchiinsa lafaa mirgoota walxaxoo lafaan walqabatanii jiran, dhorkaawwan akkasumas itti gaafatamummaa dhimmichaan walqabatan kan itti galmaa'ani dha.[4] Karaa biraatiin,bulchiinsi lafaa adeemsa walitti dhufeenya lafaa fi ummata gidduu jiru murteessuu, galmeessuufi beeksisuuti. Bulchiinsi lafaa bu'a qabeessi ummataaf dhaqqabamaafi mirgoota lafaan walqabatanii jiran mirkaneessuun waldhabbiwwan jiran haala salphaan akka furaman kan taasisuu dha.[5]

---

[1]Williamson I., Enemark S., Wallace J., & Rajabifard, A., Land Administration for Sustainable Development, (Redlands, CA: Esri Press Academics, 2010)).
[2] B. Nega, B. Adenew and S.Gebre Sellasie, Current Land Policy Issues in Ethiopia, Land Reform (2003)), F103
[3] International Federation of Surveyors (FIG), CADASTRE 2014 and Beyond FIG, Publication No. 61.
[4] Expert Group on Land Administration and Management United Nations Committee of Experts on Global Geospatial Information Management (UN-GGIM) July 2019. Framework for Effective Land Administration A reference for developing, reforming, renewing, strengthening or modernizing land administration and management systems.
[5] Akkuma 4[ffaa].

Biyyoota Afirikaaf, keessattuu uummata baadiyyaa fi qonnaan bultootaaf lafti karaa itti wabii jireenyaa mirkaneeffatanii dha.[6] Biyya keenyaafis lafti madda galii guddaa fi kan hangafaati.[7] Gumaacha lafti diinagdee biyyaa keessatti qabu kana itti fufaa taasisuuf mirga itti fayyadama lafaa mirkaneessuun murteessaa dha. Kana mirkaneessuun ammoo bulchiinsa lafaa cimaa barbaada. Mirgi itti fayyadama lafaa, keessattuu kanneen jireenyi isaanii laficha irratti hundaa'eef mirgi lafa irratti qaban mirkanaa'uu baannaan, guddina dhala namaaf murteessaa kana ta'e wabiin nyaataa akka hin mirkanoofne waan taasisuuf guddina dhala namaa irrattillee dhiibbaa hamaa qaba.[8]

Diinagdee biyya keenyaaf lafti gama qonnaa fi horsiisaatiin gumaacha taasisa. Akka ragaan Baankii Addunyaatiin walitti qabame agarsiisutti, bal'ina lafaa Itoophiyaa keessaa harki 34.26 (34.26%) lafa qonnaaf mijatu dha.[9] Diinagdeen Itoophiyaas qonna irratti kan hundaa'e dha. Hanga bal'ina lafa isaa ta'uu baatus, hawaasni horsiise bulaa gara Miliyoona 10 ta'uufi dhibbentaa lafa biyyattii gara 60 [60%][10] ta'u irra jiraatu diinagdee biyyattii keessatti gumaachi isaanii salphaa miti. Horsiise bulaan gama dhiyeessii foonii fi aannanii al-ergiin galiin maddisiisu xiqqaa akka hin taane hubanna. Haa ta'u malee, rakkoowan akka: bulchiinsi lafaa caalmaatti oomisha qonnaa irratti hundaa'uu fi isaafi iddoo guddaa kennuu, jijjiirama qilleensaa [gogiinsi] irra deddeebiin mudachuu, lafti eegumsi taasifamuuf babal'achuun lafti dheedinsaa hir'achuu, heddummachuu waldhabbii lafa dheedinsaa irratti ka'u, lafti dheedinsaa gara jallisiitti jijiiramuun fa'a akka waliigalatti jiruu horsiise bulaa irraan dhiibbaa geessissaa jiru.[11]

Heerri Mootummaa Rippaabilika Dimokraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa (RDFI) keewwatni 40, lafti baadiyyaas ta'e kan maagaalaa kan mootummaa fi ummatoota biyyattiiti jedha.[12] Lafa

---

[6] Lastarria-Cornhiel *etal*, 'Gender Equity and Land: Toward Secure and Effective Access for Rural Women', *Gender in Agriculture,* FF.117-144.

[7] Daniel Weldegebriel, Land Rights and Expropriation in Ethiopia (Doctoral Thesis in Land Law, Department of Real Estate and Construction Management School of Architecture and the Built Environment, Royal Institute of Technology, Stockholm,Land Rights and Expropriation in Ethiopia, (2013)).

[8] Rachael S. Knight, FAO Legislative Study 105,Statutory Recognition of Customary Land Rights in Africa, An Investigation into Best Practices for Lawmaking and Implementation (2010).

**9** Ethiopia - Agricultural land (% of land area) https://tradingeconomics.com/ethiopia/agricultural-land-percent-of-land-area-wb-data.html <gaafa 11/21/19> kan ilaalame.

[10] Policies and Proclamations Relevant to Pastoral Areas of Land Management for Ethiopia, Kenya and Uganda; IGAD Centre for Pastoral Areas and Livestock Development, Review Report, December 2016, P7.

[11] Akkuma 10[ffaa].

[12] Heera Mootummaa RDFI, kwt.40 (3): 'The right to ownership of rural and urban land, as well as of all natural resources, is exclusively vested in the State and in the people of Ethiopia'.

bituus ta'e gurguruu yookiin haala kamiinuu jijjiiruun dhorkaa dha. Heerri mootummaa federalaa, aangoo seera lafaa baasuufi bulchuu qaamota adda addaaf kenna. Haaluma kanaan, aangoo seerota lafaa baasuu mootummaa federalaaf kennuun naannooleen ammoo seera mootummaan federalaa baase irratti hundaa'uun akka lafa bulchan tuma.[13] Kanuma bu'uureffachuun mootummaan federaalaa seerota bulchiinsa lafa baadiyyaa yeroo adda addaatti baasa kan ture yoo ta'u; Labsiin bulchiinsa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa yeroo amma akka federaalatti bahee jiru Labsii lakk. 456/1997dha. Mootummaan naannoo Oromiyaas bu'uura aangoo kennameefiin labsii bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa dambii isaa waliin baafatee qaba.[14]Seerota kanaan walqabatees rakkoowwan seeraa fi hojimaataa akka jiran ni dubbatama. Qorannoon kunis dhimma lafa baadiyyaatiin walqabatee rakkowwan seeraa fi hojmaataa mul'atan adda baasuun furmaata akeekuuf qorannoon kana gaggeessuun barbaachise.

## 1.2. Hima Rakkoo

### i.Aangoo Seera Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Baasuu

Heerri Mootummaa Rippaabilika Dimokiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa (RDFI) lafaafi qabeenyaa uumamaa biroo ilaalchisee aangoon seera baasuu kan Mootummaa federaalaa akka ta'e ni tuma.[15] Mootummaaleen Naannoo ammoo seera mootummaan federaalaa baase irratti hundaa'uun lafa kan bulchan ta'uu Heerumti kun ni tuma.[16] Heera Mootummaa gaditti, labsiin bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa mootummaa federaalaan ba'e mootummaaleen naannoo labsii federaalaan ba'e hojiirra oolchuuf akkaataa dandeessisutti seera baasuu kan danda'an ta'uu tuma.[17] Heerri Mootummaa Naannoo Oromiyaas akkaataa seera mootummaan federaalaa baasuun mootummaan naannoo Oromiyaa lafa akka bulchu tuma.[18] Tumaalee labsii mootummaa federaalaafi Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa iddoo tokkotti yoo ilaalle, aangoo bakka bu'insaa mootummaan federaalaa mootummaalee naannoof kenne waliin

---

[13] Heera mootummaa RDFI, kwt 51(5) fi kwt 52(2)(d) ilaalaa.
[14] Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Oromiyaa, Labsii Lak. 130/1999 (*ammaan booda, Labsii BILBO Lak.130/1999 jedhamee kan waamamu*) fi Dambii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Oromiyaa, Dambii Lak. 151/2005.
[15] Heera Mootummaa RDFI, Kwt. 51(5).
[16] Heera Mootummaa RDFI, Kwt. 52 (2) (d**).**
[17] Labsii Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Mootummaa Federaalaan Bahe, Labsii Lak. 456/1997 (*ammaan booda, Labsii BILBF Lak.456/1999 jedhamee kan waamamu*), Kwt. 17(1) ilaaluun ni danda'ama.
[18]Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Bara 1994 Fooyyaa'e, Kwt. 47(2) (c) .

walfakkaata.[19] Gama biraatiin, mootummaaleen naannoo lafa baadiyyaa akka bulchaniif erga Heera biyyoolessaan aangeffamanii seera ittiin bulchan akka hin baafanne waanti isaan dhorku hin jiru yaada jedhu hayyootni yoo tarkaanfachiisan ni mul'ata. Waan ta'eefuu, mootummaaleen naannoo seera lafa baadiyyaa baasuuf aangoo Heeraan kennameef qabu moo hin qaban? Qabatamatti, seera lafa baadiyyaa baasaa kan jiran aangoo uumamaa Heera Mootummaa RDFI'tiin kennameef irratti hundaa'aniiti moo aangoo bakka bu'insaa kennameefiini dha? kan jedhu falmisiisaa dha;gadi fageenyaanis hin qoratamne.

**ii.Sirna Argannaafi Dabarsa Mirga Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa**

Heerotni mootummaa[20]fi seerotni bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa[21] akkaataa argannaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa tumanii jiru. Kana jechuun, lafa baadiyyaa argachuufi daddabarsuun yoom seera qabeessa ykn seeraan ala ta'a? kan jedhu tumaalee heerota mootummaafi seerotaa kanniin sakatta'uun bira gahuun kan danda'amu dha. Qabatamatti, argannaafi dabarsa lafaa seera qabeessa hin taanes ta'e, seera qabeessa ta'e rakkoo qaba.

Tokkoffaa, fakkeenyumaaf yoo ilaalle, mirga itti fayyadama lafa baadiyyaa gurgurtaan dabarsuun dhorkaa dha. Kana jechuun, abbaan qabiyyee tokko lafa baadiyyaa gurguruu hin danda'u;namni lafa baadiyyaa hin qabnes bittaadhaan argachuu hin danda'u. Haa ta'u malee, qabatamatti, lafti baadiyyaa karaa bittaafi gurgurtaan yoo argamuufi dabarfamu ni mul'ata. Qabannaafi qubannaan seeraan alaas,keessattuu lafa mootummaan qabamee jiruufi lafa bal'aa naannolee ollaan wal daangessan irratti ni mul'ata.[22]

Lammaffaa,karaawwan argannaafi daddabarsa lafa baadiyyaa seera-qabeessa ta'an ilaalchisee hiikkoon seeraa manneen murtii keessatti kennamaa jiru wal hin fakkaatu. Fakkeenyaaf, lafa baadiyyaa dhaaluuf eenyuti mirga qaba? kan jedhu ilaalchisee adda addummaan hiikkoo seeraa manneen murtii keessatti ni mul'ata. Kun ammoo dhimma walfakkaataa ta'e irratti murtiin adda addaa akka kennamu waan taasisuuf rakkoo dha.

---

[19] Heera Mootummaa RDFI, Kwt. 50 (9): Barbaachisaa ta'ee yeroo argametti, mootummaan federaalaa aangoo fi gahee hojii bu'uura kwt. 51'n kennameef mootummaalee naannoof bakka bu'insaan kennuu ni danda'a.

[20] Heera Mootummaa RDFI fi Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, kwt.40 ilaalaa!

[21] Labsii BIFLF Lak.456/2005 fi Labsii BIFLBO Lak.130/1999

[22] Miseensota qorannoo kana gaggeessan keessaa ogeessonni Biiroo Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa irraa dhufan qabatamaan kan beekan irraa kan hubanne dha.

Sadaffaa, heerri mootummaas ta'e, seeronni bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa faayidaa uummataaf yoo ta'e malee abbaan qabiyyee mirga itti fayyadamaa dhabuu akka hin dandeenye ni tumu. Haa ta'u malee, maqaa investimentiin abbootiin qabiyyee lafaa beenyaa gahaa malee haala salphaa ta'een qabiyyee isaanii irraa yoo buqqa'an ni mul'ata. Kun ammoo wabii mirga abbaa qabiyyummaa qotee bulaa, horsiisee bulaafi gamisa horsiisee bulaa gaaffii keessa kan galchu waan ta'eef rakkoo dha.

Afraffaa, haguuggiin seeraa amma jiru abbaan qabiyyee mirga isaa duguugee akka fayyadamu taasisuu irratti hanqina qaba. Fakkeenyaaf, seerri bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa Ormiyaa abbaan qabiyyee tokko mirga itti fayyadama lafaa wabiin qabsiisee akka fayyadamu hin dandeessisu.[23] Kun ammoo abbootiin qabiyyee mirga itti fayyadama lafaa qaban wabiin qabsiisanii qarshii liqeeffachuun hojii qonnaa isaanii bu'a qabeessa taasisuu ykn hojii daldala xixiqqaa keessatti qooda akka hin fudhanne waan taasisuuf rakkoo dha.

Shanaffaa,yeroo ammaa kanabulchiinsimagaalotaadaran babal'achaajira.Adeemsa kana keessatti,daangaa lafa baadiyyaafi lafa magaalaa beekuun sirriitti bulchuuf wal harkaa fuudhinsa taasisuun barbaachisaa ta'a. Haa ta'u malee, qabatamatti, walharkaa fuudhinsi kun akkaataa barbaadamuun waan hin taasifamneef bulchiinsiifi itti fayyadamni lafa baadiyyaa walxaxaa akka ta'u gochaa jira.

#### iii. Akkaataa Falmiin Lafa Baadiyyaa Itti Hiikamu Ilaalchisee

Falmiiwwan manneen murtii Oromiyaatti gaggeeffamaa jiran hedduun isaanii falmii lafaa ti. Fakkeenyaaf, bara baajataa 2009-2011 keessaa qofa fudhannee yoo ilaalle, falmiiwwan hariiroo hawaasaa dhaddacha ijibbaataatti dhiyaatan **27,066** keessaa **9,363 (% 34.59)**[24] falmii lafaa dha. Kana malees, dugda-duuba falmii yakkaa hedduu isaaniif ka'umsi falmii lafa baadiyyaa dha. Kana jechuun, waldiddaan lafa baadiyyaa irratti ka'u deemee, deemee falmii yakkaatti jijjiiramuun nagaafi tasgabbiin hawaasaa akka hin jiraanne taasisa. Falmiiwwan lafa baadiyyaa

---

[23]Faallaa kanaa, investerri mirga hanga abbaa qabiyyee bal'atu hin qabne mirgasaa wabiin qabsiisuun itti fayyadamuu akka danda'u labsiin BILBO Lak. 130/1999, kwt. 15 (15) ni tuma *(An investor who has got the use right of rural land through lease or renting from government shall use the right of his asset on the land as collateral, Art. 15(15)).*

[24] Bara 2009, 2010 fi 2011 dhimmoonni hariiroo hawaasaa dhaddacha ijibbaataaf dhiyaatan walduraa duubaan 7,293, 9194 fi 10,579 yoo ta'an, kana keessaa dhimmoonni lafaa walduraa duubaan 2,161 (%29.63), 3,158 (% 34.34) fi 4,044 (% 38.22) dha. Kun ammoo falmiin lafaa waggaa irraa gara waggaatti dabalaa kan adeemu ta'uu fi falmii hariiroo hawaasaa keessaa jiddu-galeessaan tokko-sadeffaa kan uwwisu ta'uu isaa namatti agarsiisa *(Daataa Beezii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa irraa kan fudhatame dha).*

kanneen qixa barbaadamuun hiikuufis ragaan sirriifi amansiisaa ta'e yeroo dhabamuti jira. Safarriin marsaa 1ffaa bara 1996-2002 jidduutti gaggeeffamees mala aadaatiin waan tureef, murtii haqa-qabeessa ta'e kennuuf amantaan guutuu irratti kan gatamu miti.

Dabalataan,adeemsa falmii hiikuu keessatti seerri jiru mirga dubartootaa eegsisuu keessatti qaawwa qaba. Kun, keessattuu yommuu gaa'illi abbaa warraa tokkofi dubartoota lamaa (bigamous) fi lamaa ol (polygamous) fuudhee jiru diigamuun qoodinsi qabiyyee lafaa raawwatu qabatamaan kan mul'atu dha.

Waan ta'eefuu, baay'achuun falmii lafa baadiyyaa gama tokkoon manneen murtiitti dhimmoota heddummeessaa kan jiru yommuu ta'u, gama biraatiin ammoo abbootiin qabiyyee hojii misoomaa keessatti humnaafi yeroo guutuun akka hin hirmaanne taasisaa kan jiru waan ta'eef, rakkoo dha.

### 1.3. Gaaffilee Qorannoo

1) Seera bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa Oromiyaa baasuuf qaamni aangoo heeraa qabu mootummaa federaalaa moo mootummaa naannoo Oromiyaa dha?
2) Rakkowwan bulchiinsa lafa baadiyya Oromiyaatiin walqabanii jiran maal fa'ii? Keessattu mirga argannaafi daddabarsa lafa baadiyyaan walqabatee rakkoowwan qabatamatti mul'atan maal fa'i? Gaaffileen biroo kanarraa maddaniifi kanaan walqabatan:
   i. Mirgi itti fayyadama lafa baadiyyaa karaa seeraan hayyamameen ala maaliif darba?
   ii. Karaa seera qabeessa ta'een mirga itti fayyadama lafaa dabarsuun walqabatee rakkoowwan jiran maal fa'i?
   iii. Faayidaa uummataaf jedhamee mirga itti faayyadama abbootii qabiyyee daangessuun walqabatee rakkoowwn jiran maal fa'i?
   iv. Mirgi itti fayyadama lafa baadiyyaa seeraan hayyamamuu osoo qabuu hin hayyamamne ni jiraa?
3) Falmii lafa baadiyyaa Oromiyaa hiikuun walqabatee rakkoowwan jiran maal fa'i?

### 1.4. Sakatta'a Hog-barruu

Fuuleffannaan isaanii garaagarummaa qabaatus, lafa baadiyyaa biyya keenyaa irrattis ta'e, naannoo Oromiyaa ilaalchisuun qorannoowwan garaagaraa gaggeeffamaa jiru.

Tokkoffaa,*Daniel Behailu, Transfer of Land Rights in Ethiopia: Towards A Sustainable Policy Framework (Eleven International Publishing, 2015).*Qorannoon Dr. Daani'el gaggeessan kun sadarkaa biyyaatti mirga dabarsa lafa Itoophiyaan walqabatee rakkoowwan jiran maal fa'a akka ta'an kan xiinxalu yoo ta'u, rakkoon ijoo imaammanni jiru lafa qabiyyee uummataa ta'uu agarsiisa. Kanaaf,imaammanni qabiyyee lafaa kan dhuunfaa yoo ta'e caalaatti jajjabeessa. Qorannoon amma gaggeeffamuuf jedhu garuu waantota hedduudhaan kana irraa adda. 1^ffaa^, imaammanni lafaa Heera mootummaa keessa jiru (lafti kan uummataa) sirrii dha jedhee ka'a. 2^ffaa^, gaaffilee inni deebisuuf adeemu gaaffii dabarsa lafaa qofa osoo hin taane gaaffilee biroo kanneen akka aangoo seera lafaa tumuufaas ni dabalata. 3^ffaa^, daangaan qorannichaas sadarkaa naannoo Oromiyaatti dha.

Lammeffaa,*Muradu Abdo, State Policy and Law in Relation to Land Alienation in Ethiopia (University of Warwick, 2014).*Inni kunis akkuma qorannoo Daani'eliin gaggeeffamee amalootaafi tooftaawwan dabarsa lafaa ilaalchisee imaammataafi seera biyyittiin qabdu kan sakatta'u dha. Imaammanni lafaa amma biyyittiin qabdu (lafti kan uummataa ta'uu) gara abbaa qabeenyummaa dhuunfaatti (privatization perspective), ykn yaada seerota lafaa keessa deebiin ilaaluutti (revisionist perspective) ykn yaada abbaa qabeenyummaa lafaa gamtaatti (associative ownership perspective) yoo jijjiirame gaarii ta'a jechuu irratti xiyyeeffata.

Sadeffaa, *Tafarii Baqqalaa,Falmii Lafa Baadiyyaa Oromiyaa Hiikuu Keessatti Rakkoowwan Qabatamoo Yeroo Ammaa Mul'atan: Seeraafi Baratama (2001 ALItti).*Qorannoon kun sadarkaa Oromiyaatti kan gaggeeffame dha. Haa ta'u malee, gaaffiin ijoo inni xiinxale dhimma falmii lafa baadiyyaa naannoo Oromiyaan walqabatu qofa. Waan ta'eefuu, qorannoo amma gaggeessuuf yaadameen walbira qabamee yoo ilaalamu daangaan isaa dhiphaa dha. Dabalataan, yeroo qorannichi itti gaggeeffame tureera.

Afraffaa, Alamayyoo Waaqgaarii,*Rakkoowwan Qabiyyee Lafa Baadiyyaa Faayidaa Uummataatiif Gad-lakkisiisuunWal-qabatanii Jiran: Haala Qabatamaa Naannoo Oromiyaa (ILQSO,2007 ALI).* Inni kun lafti faayidaa uummataaf jedhamee yoo gadhiifamu qabatamaan rakkoowwan mul'achaa jiran maal fa'a akka ta'e agarsiisa. Kanaafuu,qorannoo amma gaggeeffamuuf yaadame waliin walbira qabamee yoo ilaalamu daangaan isaa dhiphaa dha.

## 1.5. Kaayyoo Qorannichaa

### 1.5.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa sirna bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa Naannoo Oromiyaaa ilaalchisee rakkoolee gama heeraan, seeraa fi hojmaataan jiran gadi fageenyaan xiinxaluun kallattii fuulduraa akeekuu dha.

### 1.5.2. Kaayyolee Gooree

Qorannoon kun kaayyoolee gooree armaan gaditti tarreeffaman ni qabaata:

- Lafa baadiyyaa Oromiyaa irratti qaamni seera baasuuf aangoo heeraa qabu eenyu akka ta'e xiinxaluu;
- Bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa naannoo Oromiyaa ilaalchisee qaawwa Heeraa, seerotaafi hojimaataa jiru adda baasuu;
- Argannaafi dabarsa lafa baadiyyaan walqabatee rakkoowwan seeraafi hojimaataa jiran maalfaa akka ta'an sakatta'uu;
- Sababoota qabannaafi qubannaa seeraan alaaf ka'umsa ta'an adda baasuun akkaataa xiqqeessuun ykn hambisuun danda'amu irratti yaada furmaataa akeekuu;
- Wabummaan abbaa qabiyyummaa lafa horsiise bulaa maal akka fakkaatuufi rakkoowwan horsiise bulaan walqabatu maal akka ta'e sakatta'uun yaada furmaataa dhiyeessuu;
- Baay'ina falmiifi waldiddaa lafa baadiyyaa irratti ka'u daran xiqqeessuu;kan dhiyaatu haala haqa-qabeessa ta'een akkaataa hiikamuu itti danda'u irratti yaada dhiyeessuu dha.

## 1.6. Mala Qorannoo

Qorannoon kun maloota qorannoo akkamtaa (qualitative) fi hammamtaa (quantitative) walfaana fayyadama. Maloota qorannoo kunneen walfaana fayyadamuungama tokkoon hanqina malli qorannoo inni tokko qabu isa kaaniin guutuuf ta'ee; rakkoowwan qorannoofi gaaffilee qorannoonkun deebisuuf deemu gariin mala akkamtaan; kaan ammoo mala hammamtaa kan barbaadan waan ta'eef lachuu walfaana fayyadamuun barbaachise.

Mala hammamtaan rakkoowwangama bulchiinsa lafa baadiyyaatiin jiran ulfaatina hagamii akka qabaniifi bulchiinsa lafaa keessaa naannoo kamitti [lafa horsiise bulaa, kan qonnaan bulaa, lafa jallisii, kan bosonaafi kkf] akka heddummatu adda baasuun sadarkeessuuf dhimma itti baana.

Dhimmi lafa baadiyyaa hagam mana murtiitti heddummaa/dabalaa ykn hir'isaa akka jiru sakatta'uufi hikkaan waldiddaa lafa baadiyyaa eenyuun yoo furame [mana murtii idilee moo karaa biraa] yoo ta'e bu'a qabeessa ta'a kan jedhus daatawwan istatiksii /lakkofsaa/ fayyadamuu waan barbaachisuuf; malli qorannoof hojii akkasiif sirrii ta'e ammoo mala'hammamtaa'waan ta'eef itti dhimma bahuun barbaachise.

Malli qorannoo akkamtaa gaaffilee qorannoo fi rakkoo qorannichaaf ka'umsa ta'an gad-fageenyaan hubachuun furmaata akeekuuf kan dandeessisan waan ta'eef dhimma itti baana. Fakkeenyaaf, burjaajjii aangoo seera lafa baadiyyaa baasuun mootummaa naannolee moo kan federaalaaf kenname jedhu; Heera, seeraafi qabatama gama kanaan mul'ataa jiru furuuf xiinxala heeraafi seeraa gad-fageenya qabu barbaada. Malli qorannoo rakkoo kana furuuf sirriin sakatta'a seeraa (doctrinal research methodology) yoo ta'u; malichi kan akkamtaa ta'uun beekama. Dabalataan rakkoowwan bulchiinsa lafa baadiyyaatiin walqabatanii jiran; keessattuu gaaffii qorannoo 2ffaa jalatti kanneen tarreeffaman deebisuuf qaamota itti dhiyeenyaan dhimmicha irratti hojjetan irraa odeeffannoo gad-fageenya qabu af-gaaffii, marii garee akkasumas bar-gaaffiitti fayyadamuun walitti qabuun barbaachisaa dha. Gama biraan, istalndardiiwwan bulchiinsa lafaa gaarii maal akka ta'an hugbarruuwwan jiran sakatta'uun kan naannoo keenyaa ni madaalla. Kanaanis rakkoo bulchiinsa lafa baadiyyaa Naannoo keenya keessatti mul'atan adda baasuun furmaata akeekuuf dhimma itti baana.

Hiikkaa waldiddaa lafa baadiyyaatiin walqabatee rakkoowwan jiran adda baasuuf; dhimmoota qabatamoo gara mana murtiitti dhiyaatan ni sakattaana. Af-gaaffilee adda addaas abbotii seeraa manneen murtii sadarkaa sadarkaan jiran waliin ni gaggeessina. Kanaanis rakkowwan gama seera hiikuufi mirga itti fayyadama lafa baadiyyaatiin walqabatee jiru adda ni baasna. Lafa baadiyyaa irratti hiikkaan waldiddaa bu'a- qabeessi kam akka ta'es ittiin xiinxalla. Daatawwan qorannichaaf barbaachisanis qaamolee adda addaa irraa meeshaalee funaansa daataa kan akka af-gaaffii, marii garee, dhimmoota qabatamoo fi bar-gaaffiitti fayyadamnuun walitti qabnee kan xiinxallu ta'a. Daataawwan bar-gaaffiin walitti qabaman gabateefi parsantiitti fayyadamuun kan xiinxallu yoo ta'u; kanneen akkamtaa ta'an ammoo sababessuun xiinxalla.

Akkasumas, muuxannoowwan biyya alaa bulchiinsa lafaa irratti maqaa gaarii qabanni ilaalamu.Haaluma kanaan,muuxannoon biyyoota Filippiinsi,Taanzaniyaa, Chaayinaa,

Naayijeeriyaa fi Burkinaa Faasoo filatamaniiru. Biyyi Filiippinsiifi Taanzaniyaa kan filatamtaman falmii lafaa haala bu'a-qabeessa ta'een hiikuu irratti muuxannoon qaban gaarii waan ta'eefi. Biyyi Naayijeeriyaa sirna bulchiinsa federaalizimii waan hordoftuuf seera lafaa baasuufi bulchuu ilaalchisee walitti dhufeenyi mootummaa federaalaafi naannolee jidduu jiru maal akka fakkaatu ittiin xiinxaluuf yaadameeti. Muuxannoon biyya Chaayinaa immoo abbummaa qabeenyaa fi qabiyyee lafaa wajjiin walqqabatee lafti kan uummataa fi mootummaa ta'uu irratti ni sakatta'ama. Biyya keessaas muuxannoon bulchiinsa mootummaa naannolee akka Amaaraa, Beenishangul Gumuzii, Tigiraayii fi Saboota, Sablammootaafi Uummattoota Kibbaa ni ilaalamu. Muuxannoowwan kanaanis gaaffileenaangoo seera lafaa baasuufi bulchuu, argannaafi dabarsaa;akkasumas, falmii lafaa hiikuunwalqabatankan xiinxalaman ta'u.

Iddoo daataan keenya irraa walitti qabamu ilaalchisee, manneen hojii sadarkaa Biirootti jiranii fi Godinoota Oromiyaa 10fi aanaalee isaan jala jiran lama lama keessatti waajjiraalee kallattii fi al-kallattiin dhimma lafa baadiyyaan walitti dhufeenya qaban 13 irraa walitti kan qabamu ta'a.

1. G/A/N/Finfinnee (Sulultaafi Sabbataa Hawaas),
2. Sh/Bahaa (Adaamaafi Fantaallee),
3. Sh/Lixaa (Jibaatiifi Baakkoo Tibbee),
4. Sh/Kaabaa (Alaltuufi Giraar Jaarsoo),
5. Arsii (Limmoo Bilbiloofi Heexosaa),
6. W/Bahaa (Giddaa Ayyaanaafi Guutoo Giddaa),
7. Gujii Lixaa (Bulee Horaafi Abbayyaa),
8. H/Lixaa (Gumbii Bordoddee fi Ciroo),
9. Booranaa (Yaa'a Bal'oofi Mooyyaalee) fi
10. Jimmaa (Sokorruufi Qarsaa) fi Aanaalee isaan jala jiran lama lama keessatti waajjiraalee kallattii fi al kallattiin dhimma lafa baadiyyaan walitti dhufeenya qaban 13 irraa walitti qabna.

| Lak | Bakka deemamu | | Qaamolee dubbifaman | Hojiiwwan hojjetaman | Ogeessota deeman |
|---|---|---|---|---|---|
| | Godina | Aanaa | | | |
| **Garee 1ffaa** | | | | | |
| 1 | G/A/N/Finfinnee | Sulultaa<br>Sabbataa Hawaas | - Bulchiinsa godinaa,aanaa, gand<br>- Waajjira lafaa, qonnaa, Poolisii, DhDDD<br>- ATMA,ATENBJQ<br>- K/Investimentii,<br>- EHMKDD<br>- M/murtii,<br>- MHAA<br>- Qonnaan bulaa<br>- Jaarsolee araaraa | - Bargaaffii guuchisuu - Afgaaffii gaggeessuu<br>- Marii garee taasisuu<br>-Dhimmoota xiinxaluu | Tafarii B<br>Jifaaraa B |
| 2 | Sh/Bahaa | Adaamaa<br>Fantaallee | - Bulchiinsa godinaa,aanaa, gand<br>- Waajjira lafaa, qonnaa, Poolisii, DhDDD<br>- ATMA,ATENBJQ<br>- Ko/Investimentii,<br>- EHMKDD<br>- M/murtii,<br>- MHAA<br>- Qonnaan bulaa<br>- Jaarsolee araaraa<br>- Horsiisee Bulaa (Fantaalee) | | Tafarii B<br>Jifaaraa B |
| 3 | Sh/Kaabaa | Alaltuu<br>Giraar Jaarsoo | - Bulchiinsa godinaa,aanaa, gand<br>- Waajjira lafaa, qonnaa, Poolisii, DhDDD<br>- ATMA,ATENBJQ<br>- K/Investimentii,<br>- M/murtii,<br>- MHAA<br>- Qonnaan bulaa<br>- Jaarsolee araaraa | | Tafarii B<br>Jifaaraa B |
| 4 | H/Lixaa | Gumbii Bordoddee<br>Ciroo | - Bulchiinsa godinaa,aanaa, gand<br>- Waajjira lafaa, qonnaa, Poolisii, DhDDD<br>- ATMA,ATENBJQ<br>- K/Investimentii,<br>- M/murtii,<br>- MHAA<br>- Qonnaan bulaa<br>- Jaarsolee araaraa<br>- Horsiisee Bulaa (Gumbii Bordoddee) | | |
| **Garee 2ffaa** | | | | | |
| 5 | Sh/Lixaa | Jibaatii<br>Baakkoo Tibbee | - Bulchiinsa godinaa,aanaa, gand<br>- Waajjira lafaa, qonnaa, Poolisii, DhDDD<br>- ATMA,ATENBJQ | | Daawit A.<br>Taakkaaliny |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | | - Dh/Bosonaa<br>- Ko/Investimentii,<br>- M/murtii,<br>- MHAA<br>- Qonnaan bulaa<br>- Jaarsolee araaraa | | |
| 6 | W/Bahaa | Giddaa Ayyaanaa<br>Guutoo Giddaa | - Bulchiinsa godinaa,aanaa, ganda<br>- Waajjira lafaa, qonnaa, Poolisii, DhDDD<br>- EHMKDD<br>- ATMA,ATENBJQ<br>- Dh/Bosonaa<br>- Ko/Investimentii,<br>- M/murtii,<br>- MHAA<br>- Qonnaan bulaa<br>- Jaarsolee araaraa | | |
| 7 | Jimaa | Sokorruu<br>Qarsaa | - Bulchiinsa godinaa,aanaa, ganda<br>- Waajjira lafaa, qonnaa, Poolisii, DhDDD<br>- EHMKDD<br>- ATMA,ATENBJQ<br>- Dh/Bosonaa<br>- Ko/Investimentii,<br>- M/murtii,<br>- MHAA<br>- Qonnaan bulaa<br>- Jaarsolee araaraa | | |
| **Garee 3ffaa** | | | | | |
| 8 | Arsii | Heexosaa<br>Limmoo Bilbiloo | - Bulchiinsa godinaa,aanaa, ganda<br>- Waajjira lafaa, qonnaa, Poolisii, DhDDD<br>- ATMA,ATENBJQ<br>- Dh/Bosonaa<br>- Ko/Investimentii<br>- M/murtii,<br>- MHAA<br>- Qonnaan bulaa<br>- Jaarsolee araaraa | | Waaqgaari Abdii G. |
| 9 | Gujii Lixaa | Abbayyaa<br>Bulee Horaa | - Bulchiinsa godinaa,aanaa, ganda<br>- Waajjira lafaa, qonnaa, Poolisii, DhDDD<br>- ATMA,ATENBJQ<br>- Dh/Bosonaa<br>- Ko/Investimentii<br>- Ko/Dh/horsiisee Bulaa<br>- M/murtii,<br>- MHAA<br>- Qonnaan bulaa<br>- Horsiisee Bulaa (Bulee Horaa) | | |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | | - Jaarsolee araaraa | | |
| 10 | Boorana | Yaa'aa bal'oo<br>Mooyalee | - Bulchiinsa godinaa,aanaa, ganda<br>- Waajjira lafaa, qonnaa, Poolisii, DhDDD<br>- ATMA,ATENBJQ<br>- Dh/Bosonaa<br>- Ko/Investimentii<br>- Ko/Dh/horsiisee Bulaa<br>- M/murtii,<br>- MHAA<br>- Qonnaan bulaa<br>- Horsiisee Bulaa<br>- Jaarsolee araaraa | | |
| | **Garee hunda iddoo tokkotti** | | | | |
| 11 | Finfinnee | Biirolee Oromiyaa | 1.Biiroo Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafaa;<br>2. Biiroo Qonnaafi Qabeenya Uumamaa;<br>3. Abbaa Taayitaa Qabeenya Albuudaa,<br>4.Komishinii Investimentii<br>5.Dhaabbata Bosonaa fi Bineensota Bosonaa,<br>6. Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo, Bosonaa<br>7. Mana Murtii,<br>8.Abbaa Alangaa Waliigalaa<br>9. Komishinii Qindeessaa Misooma Naannoo Horsiisee Bulaa<br>10. Waajira Caffee<br>11. Waajjira Pirezidaantii<br>12.Biiroo Dhimma Dubartootaa, Daa'immanii fi Dargaggootaa;<br>13.Ejensii Hawaasa Misoomaaf ka'an deebisani<br>14. Mana Maree Federeeshinii Federaalaa | | |

Godinaalee fi Aanaaleen kunneen akka Naannoo Oromiyaa bakka bu'anii fi rakkoolee lafa baadiyyaa gama adda addatiin [lafa horsiise bulaa, jallisii, qonnaa, qabannaa fi qubannaan seeraan alaa itti heddummatan, bosonaafi bilqiltoota dhaabbiin beekaman, hojiin albuudaa keessatti heddummatan, hojii investmentiin beekaman][25] giddu galeesssaa godhachuun mala eddattoo kaayyeffataan filatamani.

Cuunfaa odeeffannoowwan funaanamanii meeshaaleen ittiin funaanaman akka itti aanutti gabateedhaan ibsameera:

| *Lak* | *Gosa daataa* | *Baay'ina* | *Bakka irraa funaanamu* |
|---|---|---|---|
| 1 | Af-gaaffii [Sadarkaa Biirootti] | 26 (13*2) | 1. Biiroo Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafaa;<br>2. Biiroo Qonnaafi Qabeenya Uumamaa;<br>3. Abbaa Taayitaa Qabeenya Albuudaa,<br>4. Komishinii Investimentii<br>5.Dhaabbata Bosonaa fi Bineensota Bosonaa,<br>6. Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo, Bosonaa fi Jijjiirama Qilleensaa;<br>7. ManaMurtii,<br>8.Abbaa Alangaa Waliigalaa<br>9. Komishinii Qindeessaa Misooma Naannoo Horsiisee Bulaa<br>10. Waajjira Caffee<br>11. Waajjira Pirezidaantii<br>12.Biiroo Dhimma Dubartootaa, Daa'immanii fi Dargaggootaa;<br>13.Ejensii Hawaasa Misoomaaf ka'an deebisanii dha |

[25] Lafa ilaalchisuun godinaaleen Oromiyaa keessa jiran gareewwan armaan gadiitti gurmaa'uu danda'u.

A) Godinaalee qabannaafi ijaarsi seeraan alaa itti baay'atu (Godina Addaa Naannawaa Finfinnee, Godina Shawaa Baha. Harargee Lixaa)
B) Godinaalee jallisiin keessatti baay'atu (Arsii, Shawaa Bahaa)
C) Godinaalee horsiisee bulaan beekaman (Harargee Lixaa, Shawaa Bahaa (Fantaallee) fi Boorana dha
D) Godinaalee hojii qonnaan beekaman ( Arsii, Baalee, Shawaa Kibba Lixaa, Shawaa Lixaa)
E) Godinaalee biqiltoota dhaabbataan (Buna, Maangoo, Avukaadoo, kkf) beekaman (Jimmaa, Qeellama Wallaggaa fi Wallagga Lixaa
F) Godinaalee bosonaan beekaman ( Ilu A/boor, Shawaa Lixaafi Godina Addaa Naannawaa Finfinnee)
G) Godinaalee hojiin Albuudaa keessatti baay'atu (Sh/Bahaa, Gujiifi Shawaa Kaabaa)
H) Godinaalee Qqbannaafi qabannaan seeraan alaa lafa baadiyyaa keessatti baay'atu (Wallagga Bahaa, I/A/Boor, Horro Guduruu Wallaggaa fi Shawaa Lixaa
I) Godinaalee hojii investimentiin beekaman (Godina Addaa Naannawaa Finfinnee, Shawaa Bahaa Arsii Lixaa). Waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa marsaa 2ffaa godinaalee kanneen dhaqqabeera. Haa ta'u malee, Aanaalee godinaalee kanneen keessa jiran mara hin dhaqqabne. Kanaaf, aanaaleen yommuu filataman bakkeewwan waraqaan kunniin dhaqqabeefi hin dhaqqabne godhachuun ta'a.

| | | | |
|---|---|---|---|
| | | | **HUB.**Biiroolee kanneen irra hogganaa fi I/A/hoggan |
| 2 | Af-gaaffii [Sadarkaa Godinaatti] | 16*12=192 | Caasaaleen Biiroo olitti ibsamankeessaa waajjira caffee irraa kan hafe sadarkaa godinaatti jiran hogganaa ykn /I/Ahogganaa waliin af-gaaffiin ni gaggeeffama. |
| 3 | Af-gaaffii [Sadarkaa Aanaaleetti] | 32*12=384 | Biiroolee lakk 1 irratti ibsaman sadarkaa aanaatti hogganaa ykn I/A hogganaa ni dubbisna |
| 4 | Dhimmoota Mana Murtii idileen murtaa'an | 1 3 0 | Falmiiwwan dhimma lafa baadiyyaatiin walqabatanii gara manneen murtiitti dhiyaatan manneen murtii sadarkaa sadarkaan jiran irraa ni sakattaana (MMWO=50), MMO=16, MMA=64. |
| 5 | MurtiiwwanMana Maree Federeeshiniitti murtaa'an | 1 0 | Hanga danda'ametti ijoowwan falmii lafaa adda addaa filatamanii kan ilaalaman ta'u |
| 6 | Marii Garee (namoota 5-8) ta'an [Godinaafi aanaaleetti]<br><br>Marii Garee (namoota 5 | 6<br><br>32 | - Godinaaleehorsiise bulaa lama; Godinaalee Jallisii lama; Godinaalee qonnaan beekaman lama keessatti ni gaggeessina. Marii garee kana keessatti qonnaan bultoonniifi horsiisee bultoonni bal'inaan qooda ni fudha<br><br>- Hirmaattonni marichaa Bulchaa Gandaa, Manaaj |
| 7 | B a r - g a a f f i i | 5 2 8 | Sekterootni itti lakk 1 irratti tareeffaman akkaatuma baay'ina hojjetaa ni qabaatu jenee tilmaamnee fi itti dhiyeenyaan dhimma bulchiinsa lafa baadiyyaa ni beeku jenee yaadneen expertootni waajiraalee kumeenii sadarkaa godinaa fi aanaatti jiran irraa bar-gaaffii 48 [godina iratti 1 fi aanaa iratti 2] akka guutaniif karoofameera. |
| | **Ida'ama Daataa Waliigala** | **Af-gaaffii** | **6 0 2** |
| | | **Bargaaffii** | **5 2 8** |
| | | **Dhimmoota** | **1 3 0** |
| | | **Marii garee** | **3 8** |

Walumaagalatti, hog-barruuwwan, muuxannoo biyyoota alaafi biyya keessaa sakatta'uu, seerotaafi dhimmoota qabatamoo (real cases) xiinxaluu, af-gaaffiiwwan,mariiwwan garee fi bar-gaaffii gaggeessuun tooftaalee odeeffannoon jalqabaa fi lammataa (primary and secondary data sources) ittiin walitti qabamani dha.

## 1.7. Faayidaa Qorannichaa

Qorannoon kun hojii bulchiinsaa fi ittifayyadama lafa baadiyyaa Naannoo Oromiyaa keessatti rakkoowwan gama heeraa, seeraa fi hojimaataa jiran adda baasun furmaata akka argatu taasisuu keessatti faayida ol'aana qaba.Qorannoon qaama qooda fudhatoota ta'aniin raawwataame kun heera mootummaa keessatti aangoo seera lafaa baasuu fi bulchuu ilaalchisee hanqina jiru; akkasumas, labsii fi dambiin bulchinsaa fi itti fayyadamaa lafa baadiyyaa Oromiyaa dhimmoota hammachuu qabu osoo hin hammatiin kan hafe, ykn hammachuu osoo hin barbaachisiin kan

hamate; hojiirra oolmaa seerota lafaan walqabatee qabatamatti rakkoowwan jiran xiinxaluun yaadota furmaataa waan dhiyeesuu fi seerota bulchinsaa fi itti fayyaadama lafa baadiyyaa bahaa jiranifis galtee gudda waan ta’uf qorannoon kun faayidaa ol’aana kan qabu ta’a.

### 1.8. Fayyadamtoota Qorannichaa

Bu’aa qorannoo kana irraa qaamoleen adda addaa fayyadamtoota ta’u danda’u.isaan keessaa kanneen armaan gadii kan hangafaati:

- Mootummaa Naannoo Oromiyaa;-imaammata, tarsimoo fi sagantaa misooma bulchinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa ilaalchisee baasuu galmaan geessisuuf galteen qorannoo faayida olaana kennuufi ni danda’a.
- Biiroo Bulchinsaa fi Ittifayadama lafaa Oromiyaa fi caasaa isaa;-Rakkoowwaan bulchiinsaafi ittifayyadama lafa baadiyyaa ilaalchisee argannoo qorannoo kanan adda bahaanitti fayyadamuun hojiin bulchiinsaa fi ittifayyadama lafa akka hammayya’uu, seeroota bulchinsaafi ittifayyadama lafa keessatti rakkoo ta’an waan adda baasuuf galteekana irra argamuun irra faayida olaana argachu danda’a.
- Manneen Murtii sadarkaa sadarkaan jiran; falmiin guddaan dhimmi lafaa fi lafa fanaa walqabatu waanta’ee bu’aa qorannoo kanaan dhimmoonni falmii mana murtitti dhufuu qabanii fi osoo hin dhufiin karaa bulchinsaa raawwatamuu danda’an waan akeekuf bu’aa guddaa kana irra argaachu danda’u
- Instiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qo’annoo Seeraa Oromiyaa; dhimma seera bulchinsaa fi ittifayyadama lafa oromiyaa ilaalchisee leenjifamtootaf rakkowwaanGama heeraa, seeraa fi hojimaataa turaan irra akka baraan waan taasisuuf,akkasumaas kana qorannoo kana galtee godhachuun qorannoo gara fulduraatti taasisaanif waan gargaruuf faayida olanaa irra argachuu danda’u.
- Dhabbilee dhimmi lafaa irratti qorannoo gaggeessan;- dhaabbilee barnootaa olaano,Institityuutii Qorannoo Qonnaa Oromiyaa ,dhaabbile qooda fudhatoota ,dhaabbile miti-mootummaa dhimmi lafaa irratti hojetanii fi kkf ilalchisee qorannoon akka waligaalatti raawwatame kun dhimmoota bulchinsaa fi ittifayydama lafa baadiyyaa ilaalchise waan hunda hammatee waan jiruuf bu’aan qorannoo kun galtee guddaa ta’uufi danda’a.

### 1.9. Daangaa Qorannoo

Qorannoon kun kan raawwatamu guutuummaa lafa baadiyyaa Naannoo Oromiyaa keessatti ta'a.

### 1.10. Rakkoolee Mudachuu Malanii fi Furmaata Isaanii

Qorannicha gaggeessuu keessatti haala qabatama yeroo irraa ka'uun rakkoowwan armaan gadii ni mudatu jedhamee tilmaamama.

- Namoota ragaa kennuu danda'an akka salphaatti argachuu dhabuu
- Ragaaleen qorannichaaf murteessoo ta'an akkaataa barbaadamuun argachuu dhabuu
- Qorattoonni/ogeessonni ramadaman qaamolee adda addaa irraa walitti waan dhufaniif yeroo barbaadamu keessatti argamuu dhiisuu malu.

Rakkoowwan olitti tilmaamaniifi kan biraan kan mudatan yoo ta'e, furmaata isaa haala armaan gidiin akeekamaniiru.

- ✓ Dursinee bilbilaan beellama qabsiisuu qunnamuu
- ✓ Bakka ragaan argamuu danda'u hunda dursa sakatta'uu
- ✓ Dursinee sagantaa walqabsiisuu

### 1.11. Gurmaa'insa Qorannichaa

Qorannoon kun yeroodhaaf boqonnaawwan shanitti qoqqoodamee kan dhiyaatu ta'a. Haaluma kanaan:

- Boqonnaan tokkoffaa gumee qorannoo irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, ka'umsaafi adeemsi qorannichaa boqonnaa itti ibsame dha.
- Boqonnaan lammaffaa godayyaan bu'uuraa dhimmichaan walqabatan kanneen akka yaaddamootaa, seerotaa fi caasaaleen bulchiinsa lafa baadiyyaa kan itti sakataa'amani dha. Sakatta'iinsi kunis waan walii galaa irraa gara dhimma of harkaa qabnuu kanatti kan dhufedha. Haaluma kanaan, dursa yaaddamoota/tiyooriwwan dhimma lafaa; keessattuu abbaa qabeenyummaa lafaan walqabatanii kan jiran irraa ka'uun gara seerota dhimma lafa baadiyyaa irratti akka addunyaa, biyyoolessaa fi naannoo keenyaatti jiran sakatta'uun dhumarratti bulchiinsi lafaa maal akka fakkaatuu fi rakkowwan bulchiinsa lafaan walqabatanii jiran kan itti sakatta'ame dha.Itti dabaluunis,bulchiinsaa fi fayyadama lafa

baadiyyaa ilaalchsiee muuxannoonbiyyootaafi naannolee biyya keenyaa tokko tokko boqonnaa kana keessatti ilaalamaniiru.

- Boqonnaa sadaffaa keessatti ragaawwan tooftaalee adda addaatiin walitti qabamanxiinxalamaniiru.Xiinxalli boqonnaa kana keessatti taasifames ijoowwan gurguddoo sadan, jechuunis aangoo seera lafaa baasuu, argannaafi itti fayyadama lafaa, fi adeemsa falmii lafaa hiikuu irratti kan xiyyeeffate dha.
- Boqonnaa afraffaa fi inni dhumaa xiinxala waliigalaa taasifame irraa ka'uun yaadotni guduunfaa fi furmaataa kan itti dhiyaate dha.

## BOQONNAA LAMA

## GODAYYAA BU'UURAA YAADDAMOOTAA, SEEROTAA, GURMAA'INSA BULCHIINSA LAFAA FI MUUXANNOO NAANNOLEE FI BIYYOOTAA

### 2.1. Yaaddamoota Abbaa Qabeenyummaa Lafaa

Yaaddamoonni ykn tiwooriiwwan waa'ee lafaa irratti barreeffaman baay'inaan tiwooriiwwan dinagdee (economic theories) jalatti yeroo dhiyaatan ni mul'atan. Haa ta'u malee, barreeffamoonni hedduun waa'ee lafaa fi bulchiinsa isaa irratti barreeffaman tiwooriiwwan (theories), yaadawwan (perspectives), akkaataa ykn mala ittiin hojjetanii milkaa'an (paradigm) ykn maloota ittiin waan tokko ilaalan (approaches) jedhamuun barreessitoota dhimmichaan yeroo dhiyaatus ni mul'ata. Yeroo hedduu sirna bulchiinsaa fi itti fayyadama lafaa irratti tiwooriin qofaatti dagaagfame hin jiru yoo ta'eyyuu, tiwooriin haala kanaan dhiyaatus kan dhimmoota dinagdee wajjin walqabatee waan dhiyaatuuf, yaadotaa fi maloota biyyoota garaagaraa keessatti jijjiirama fidan (perspectives, paradigms or approaches) irratti xiyyeeffachuun barbaachisaa dha. Kutaa kana jalattis kan dhiyaatu yaadotaa fi maloota kanneen ta'a.

Gaaffiiwwaniifi rakkoolee gamasirna bulchiinsaa fi itti fayyadama lafaa ilaalchisee (fakkeenyaaf, haala argannaa lafaa, ragaa qabiyyee lafaa, galmeessa lafaa, dabarsa lafaa, bulchiinsa lafaa, falmii lafaa, fi kkf) deebisuu fi hiikuuf yaadotaa fi maloota (perspectives and approaches) adda addaatu jira. Isaanis yaada abbaa qabeenyummaa dhuunfaa lafaa (privatization perspective),

yaada keessa deebiin seerota bulchiinsa lafaa ilaaluu (revisionist perspective), yaada abbaa qabeenyummaa gamtaa (associativeperspective), maloota jijjiirama suuta suutaan lafti gara qabeenya dhuunfaatti jijjiiramuu (evolutionary approaches)[26] fi maloota lafti dhaaltummaadhaan gosaa gara gosaatti darbu (neo-patrimonial approaches) ilaaluun ni danda'ama.[27] Lafti dhaalaan gosa irraa gara gosaatti, keessumaayyuu, karaa firooma abbummaatiin darbu irra caalaatti faayidaa dinagdeef caalaa aangoo irra turuuf lafa akka fayyadaman beektonni dhimma kana irratti qorannoo gaggeessan ni barreessu.

Yaadonni (perspectives), maloonni (paradigms or approaches) armaan olitti gabaabinaan ibsaman kunneen sirna bulchiinsaa fi itti fayyadama lafaa, abbaa qabiyyummaa ykn/fi abbaa qabeenyummaa lafaa, akkasumas dhimmoota lafa wajjin wal qabatan kamiyyuu ilaalchisee ejjennoo fi ibsa garaagaraa kan qabani dha. Akkasumas, yaadonni, maloonni fi modeelonni kunneen faayidaa fi miidhaa ykn yaada deeggarsaa fi qeeqaa ni qabaatu; tokkoo tokkoo isaanii kan deeggaran akkuma jiran, kan mormanis ni jiru. Biyoonni adda addaas yaadota fi maloota kanneen akka barbaachisummaa isaatti hojiirra kan oolchan ni jiru. Kaayyoon kutaa kanaa muuxannoo biyyootaa wal dorgomsiisuu otoo hin taane mata duree qorannoo kana jalatti dhiyaate irratti hundaa'uudhaan yaadotaa fi moodeloota sirna bulchiinsaa fi itti fayyadama lafaa erga xiinxalee booda, kutaalee ykn boqonnaalee itti aanan keessatti akkaataa qabamata naannoo keenyaatti yaada isa kamtu uummata keenya fayyaduu akka danda'u irratti ibsi kennamuu ni danda'a. Yaadonnii fi moodeloonni sirna bulchiinsaa fi itti fayyadama lafaa armaan olitti dhiyaatan akkuma eegametti ta'ee, kutaa kana keessatti yaadota gurguddaa afur (yaada abbaa qabeenyummaa dhuunfaa lafaa, yaada seerota keessa deebiin ilaaluu, yaada qabeenya lafaa gamtaa, fi yaada qabeenyummaa uummataa) irratti xiyyeeffannee kan ilaallu ta'a.

### 2.1.1. Yaaddama Abbaa Qabeenyummaa Dhuunfaa Lafaa(The Privatization Perspective)

Yaanni abbaa qabeenyummaa dhuunfaa lafaa guutummaatti kan xiyyeeffatu waa'ee mirga namni dhuunfaan qabeenya isaa itti fayyadamuuf, bu'aa irraa argachuu fi/ykn qaama sadaffaatti bifa

---

[26] Murado Abdo, State Policy and Law in Relation to Land Alienation in Ethiopia, (A Thesis Submitted in Partial Fulfilment of the Requirements of the Degree of Doctor of Philosophy in Law, University of Warwick, Law School, 2014), F27. Abbaan qabiyyummaa ykn abbaan qabeenyummaa lafaa jijjiirama suuta, suutaan qabiyyee ykn qabeenya gamtaa ykn waliinii irraa gara qabeenya dhuunfaatti kan jijjiiramu deeggarsa ykn gahee mootummaa keessatti hirmaachisuudhaan (fakkeenyaaf, bifa inverstimentiidhaan) abbaa qabeenyaatti dabarsuudhaan ta'uu ni danda'a.

[27] Murado Abdo, Akkuma 26[ffaa].

adda addaatiin dabarsuuf (gurgurtaan, dhaalaan, qabsiisuudhaan, kkf) irratti kan afaan laatiniitiin *'usus, fructus, and abusus'* jedhamee waamamu dha.[28] Akkaata yaadama kanaatiin, lafti akkuma qabeenya dhuunfaa kamiiyyuu mirga ykn bilisummaa namni dhuunfaan tokko lafa irratti qabu guutummaatti akka itti fayyadamuu fi qaama sadaffaatti dabarsuu danda'uuf haala kan mijeessu dha.

Yaaddamni abbaa qabeenyummaa lafaa dhuunfaa lafa ibsama (assumptions) gurguddaa kallattiin hidhata qaban lama irratti kan bu'uureffame dha. Isaanis abbummaan qabeenyaa lafaa fi ragaaleen abbaa qabeenyummaa agarsiisan, kallattiidhaan dandeettii oomishtummaa lafaatti waan hidhatuuf lafti akka meeshaa bittaa gurgurtaatti (commodity) fudhatama.[29]Kanaafis, barreessitoonni yaada kana irratti barreessanii fi deeggaran yaanni kun bu'a qabeessummaa lafaa ykn oomishtummaa waan dabaluuf lafti akkuma meeshalee bittaa-gurgurtaa idileetti fudhatamuu akka qabu akeeku. Itti dabalees, akka biyya keenyaattis ta'e, akka naannoo keenyaatti, sababni dinagdeen guddachuu dadhabeef lafti akka qabeenya dhuunfaa kamiittuu ilaalamuu dhabuu fi heerri lafti akka bitamee hin gurguramne dhorkuu isaati jechuun yaada ni kennu.

Akka yaaddama abbummaa qabeenyaa lafaa dhuunfaatti, gaheen mootummaa maal ta'uu akka qabu irrattis beektonni dhimma kana irratti qorannoo gaggeessan ni ibsu. Haaluma kanaanis, gaheen mootummaa nageenya eeguu, seera baasuu, jaarmiyaalee hojiirra oolmaa seerota lafaa fi mirgi abbaa qabeenyummaa lafaa ittiin kabajamu hundeessuu fi gurmeessuu, sirna kaadaastira lafaa diriirsuu, fi wabii ykn ragaa abbaa qabeenyummaa qopheessuu akka ta'e ni ibsu.[30]Kana irraa kan hafe mootummaan haala kamiinuu abbaa qabeenyaa lafaa akka ta'u hin jajjabeeffamu. Kana jechuun yaaddamni abbummaa qabeenyaa lafaa dhuunfaa yaada abbummaa qabeenyaa uummataa (the people's land ownership paradigm) waliin wal dhiita jechuu dha.Gama biraatiin, bu'uura Heera biyya keenyaa fi naannoo keenyaatiin, lafti qabeenya uummataa fi mootummaa waan ta'eef, bitamuu fi gurguramuu, akkasumas haala kamiinuu akka hin geeddaramne yoo tumamu yaada abbummaa qabeenyaa lafaa dhuunfaa kan dhorke ta'uu hubachuun ni danda'ama.

Yaaddamni abbummaa qabeenyaa dhuunfaa lafaa tiwoorii qajeeltoowwan qabeenyaa waliin akka hidhata qabuutti yeroo ibsamu ni mul'ata. Haala kanaan, tiwooriin qabeenyaa (the theory of property) mirgi addatti abbaan qabeenyaa qabeenya isaa irratti qabu dhuunfaatti amala wal irraa

---

[28]Murado Abdo, Akkuma 27[ffaa].
[29]Murado Abdo, Akkuma 28[ffaa], F.35.
[30]Murado Abdo, Akkuma 29[ffaa], F.36

adda hin baane kan qabaatu (a unitary idea of ownership), isaanis qabiyyee (possession), itti fayyadama (use) fi qabeenyicha dabarsuu (disposition) yaada abbummaa qabeenyaa dhuunfaa lafaa irrattis raawwatamummaa akka qabaatu akeekuu fi lafti gatii gabaatiin bitamee akka gurguramu ni jajjabeessu.[31]Yaaddamni mirgi qabeenya dhuunfaa kunis hanga nama ykn qaama biraa irraa eegamuu (qabeenya isaa jalaa akka hin fudhannee fi hin qabanne) taasisuuttillee kan deemu dha.[32] Lafa bitachuu fi gurgurachuun akka mirgaatti waan ilaalamuuf, namni kamiyyuu mirga daangaa tokko malee lafa argachuu akka qabaatu, akkasumas, daangaan argannaa mirga lafaa akkasii irratti yoo taasifame fudhatama akka hin qabneetti ilaalama.Haa ta'u malee, yaanni abbummaa qabeenyaa dhuunfaa lafaa qeeqa irraa bilisa miti.

Gama kanaan qeeqni yaaddama abbummaa qabeenyaa lafaa dhuunfaa irratti dhiyaatu inni guddaan yaanni kun ka'umsa isaaf sababa ykn ragaa amansiisaa fi quubsaa ta'e dhabuu isaati. Fakkeenyaaf, rakkoon qabiyyee lafaa wajjin wal qabatee jiru kan furmaata argatu lafti qabeenyummaan isaa gara dhuunfaatti yoo jiijjirame dha yommuu jedhu, isa kanaaf ragaan dhiyaatu hin jiru.[33]Faallaa kanaa, innumaayyuu bakka ykn biyya lafti qabeenyummaan isaa gara dhuunfaatti deebi'ee waraqaan raga tokkoo tokkoo qotee bulaaf kenname gama hojjettootaa fi aangawoota mootummaatiin malaammaltummaan akka itti hammaate ni gabaafama.[34] Akkasumas, abbummaan qabeenyaa lafaa gara dhuunfaatti yoo deebi'e bu'a-qabeesummaa fi oomishtummaan lafaa dabaluudhaan guddinni dinadgee dabaluu ni danda'a jedhamee yeroo tokko tokko yaanni ka'u ni jira. Haa ta'u malee, sirni bulchinsaa fi itti fayadama lafaa ammayyaa'aa ta'e yoo jiraate, lafti qabeenyummaan isaa kan uummataa ta'ee otoo jiruu iyyuu oomishtummaa fi bu'a qabeessummaa isaa dabaluu wanti dhorku hin jiru. Qabeenyummaan lafaa gara dhuunfaatti naanna'uun isaa kallattiidhaan inverstimentiif ooluuf wabii miti. Ragaan waa'ee Afrikaa fi biyyoota biroo agarsiisu akka ibsutti abbummaa qabeenyaa lafaa fi oomishtummaa lafaa gidduu walitti dhufeenyi uumaamaa (inherent connection) hin jiru.[35]

---

[31]Bridget Cotter, Property as a Human Need: A Moral Basis for Private Property Ownership in the Work of Hannaah Arendt and Simone Weil, Muraadoo Abdootiin akka maddaatti ibsamee kan dhiyaate.
[32]Daniel Weldebriel, Olitti yaadannoo lak.7, 2013, F33
[33] Muradu Abdo, Olitti yaadannoo lak.26, F.43
[34] Akkuma 33ffaa
[35] Akkuma 34ffaa.

### 2.1.2. Yaaddama Seerota Lafaa Keessa Deebiin Ilaaluu (The Revisionist Perspective)

Yaaddamni abbaa qabiyyummaa ykn abbaa qabeenyummaa lafaa keessa deebiidhaan ilaalu (the revisionist perspective) kan xiyyeeffatu bulchiinsa lafaa ilaalchisee xiinxala tumaalee heeraa fi seerota irratti dha.[36] Haala kanaanis, bulchiinsaa fi itti fayyadama lafaa keessatti tumaaleen seeraa qaawwa qaban, iftoomina hin qabnee fi kan wal dhiitan keessa deebi'anii ilaalamuu akka qaban irratti xiyyeeffata. Akkasumas, bulchiinsaa fi itti fayyadama lafaa ilaalchisee aangoo seera baasuu waliin wal qabatee mootummaa federaalaa fi naannolee gidduutti walitti bu'iinsi aangoo waan mul'atuuf kanas keessa deebiin ilaaluun waan barbaachisuuf yaaddamni dhimma bulchiinsa lafaa (qabiyyee, qabeenyummaa, kenniinsa, ragaalee barbaachisan, kkf) keessa deebi'amee akka sakatta'amu jajjabeessa. Yaaddamni kun irra caalaatti kan xiyyeeffatu rakkoolee bulchiinsaa fi itti fayyadama lafaa gama seeraa fi hojmaataan mul'achaa ture keessa deebiin sakatta'uun furmaataa fi kallattii fuulduraa kaa'uu irratti. Rakkooleen mul'achaa turan jedhaman kunis seerota qabiyyee lafaa akka ta'utti hojiirra oolchuu dhabuu fi seeronni sunis uummataaf dhaqqabamaa ta'uu dhabuu akka fakkeenyaatti kaasuun ni danda'ama.[37]

Yaaddamni kun yaadrimee gurguddaa lama irratti kan hundaa'e akka ta'e xiinxalaan yaada kanaa barruu isaa keessatti ibseera.[38]Isaanis: yaada akka furmaataatti dhiyaatu inni duraa daangaawwan dabarsa lafaa irratti seeraan kaa'aman akka ka'anii fi seerota lafaa fooyya'aa ta'an baasuu dha. Ibsamoonni kunneenis kan maddan rakkoolee gama tumaalee fi haguuggii seeraa fi hojiirra oolmaa seerota kanneenii irraati. Keessumaayyuu, ibsamni inni duraa yaada abbaa qabeenyummaa lafaa uummataa (public land ownership) faallessuudhaan ykn akka warra yaada kana mormaniitti immoo yaada fooyya'aan akka dhiyaatu taasisuudhaaf kan xiinxalamu dha.

Daangaawwan (restrictions) mirgoota itti fayyadama lafaa irratti heeraa fi seeraan kaa'aman hedduu dha.Lafti akka hin bitamnee fi hin gurguramne, haala kamiinuu akka hin geeddaramne, qabeenya uummataa fi mootummaa akka ta'e heeraan beekamtii fi eegumsi kan kennameef yoo ta'u, lafti dhaalaa fi kennaan kan darbu namoota muraasaa fi seeraan tarreeffaman qofa ta'uu, lafti idaadhaan ykn liqiidhaan akka hin qabamne ta'uu, qoqqoodinsi lafaa hamma bal'ina isaa irratti hundaa'uudhaan daangaa qabaachuu, kkf immoo daangaawwan seeraan (labsii fi danbiidhaan) seerota federaalaa fi naannootiin kaa'amani dha. Akka yaada qabiyyee fi

[36]Daniel Weldebriel, Olitti yaadannoo lak.7, F.26
[37] Muradu Abdo, Olitti yaadannoo lak.26,F.28
[38] Muradu Abdo, Akkuma 37ffaa, F.29.

qabeenyummaa lafaa keessa deebiin ilaaluutti, daangaawwan heeraa fi seerotaan haala kanaan kaa'aman akka kaafamaniif yaada dhiyeessa.Kunis gama tokkoon lafti akkuma qabeenya idilee kamiiyyuu qabeenya nama dhuunfaa (private property) ta'ee abbaan qabeenyichaa salphaatti (daangaa tokko malee) akka gurguratu, bitatu, nama barbaadeef ykn qaama barbaadeef dabarsu, dhaalchisu, kennu, kkf kan leellisu yoo ta'u, gama biraatiin immoo yaada abbaa qabeenyummaa lafaa uummataa kan mormu dha.

Ibsamni yaaddama keessa deebiin ilaaluu inni lammaffaan seerota lafaa hedduu (more land law) qabaachuu irratti kan hundeeffame dha.[39]Haala kanaan, akka ejjennoo ibsama kanaatti, filannoon jalqabaa seerota abbaa qabeenyummaa lafaa dhuunfaa (private land ownership) leellisu jajjabeessuun seerota baasuu, fooyyessuu fi haala sanaan hojiirra oolchuu kan dabalatu yoo ta'u, akka filannoo lammaffaatti immoo yaanni abbaa qabeenyummaa uummataa (people's land ownership) yoo jiraateyyuu seerota itti fayyadamaa fi qabeenyummaa lafaa irratti daangaa kaa'aman kaasuu, haquu fi fooyyessuu, fi aangoo mootummaan lafa bulchuu irratti qabu daangessuu dha. Akka ibsama kanaatti, seerri gahaa fi lafa sirriitti bu'a qabeessummaan bulchuu danda'u bahuu akka qabu kan jajjabeessu dha. Sirna bulchiinsaa fi itti fayyadama lafaa sirnaan caaseffames kan barbaadu dha.

### 2.1.3. Yaaddama Abbaa Qabeenyummaa Lafaa Gamtaa(The Associative Ownership Perspective)

Yaaddamni abbaa qabeenyummaa lafaa gamtaa kun maqaa 'communal land ownership perspective' jedhamuunis ni beekama.[40] Akka yaada kanaatti, qabeenyummaan lafaa hawaasa naannoo murtaa'e sana keessa jiraatan kan ilaallatu dha.Yaaddamni abbaa qabeenyummaa lafaa gamtaa (the associative ownership perspective) wantoota sadii walitti dabalee kan xiinxalu dha. Isaanis, hawaasa naannoo (community), miseensa hawaasa naannichaa, fi mootummaa dha.[41] Isaan kun sadeenuu akkaataa fi yeroo akkamii keessatti dhimma bulchiinsaa fi itti fayyadama lafaa keessatti hirmaatu kan jedhu ilaaluun barbaachisaa dha. Haala kanaan, akka yaaddama kanaatti, miseensi hawaasaa abbaa qabiyyee lafaa ta'ee, hawaasichi immoo abbaa qabeenyaa yoo ta'u, mootummaan haala addaa keessatti (fakkeenyaaf, yeroo bu'a qabeessummaan lafaa fi

[39] Muradu Abdo, Akkuma 38[ffaa].
[40] Daniel Woldegebriel, Olitti yaadannoo lak.7[ffaa], F.24
[41] Muradu Abdo, Olitti yaadannoo 26[ffaa], F.28

gaaffiin haqaa jiraatu qofa) dhimmicha keessa akka galu hayyamama.[42] Kanaan alatti, namni dhuunfaan miseensa hawaasaa ta'e abbaa qabiyyee lafaa ta'ee, hawaasni namni sun keessa jiraatu immoo abbaa qabeenyaa lafaa ta'ee kan itti fufu ta'a. Gama biraatiin, haalli addaa isa dirqisiisu yoo jiraate malee mootummaan dhimmicha keessa hin seenu jechuu dha. Kaayyoo fi tarsiimoon yaada abbaa qabeenyummaa lafaa gamtaa aangoo qaama mootummaa daangessuudhaan qabiyyee lafaa argachuu yoo ta'u, malli inni fayyadamus mala aangoo gadi buusuu (decentralized decision making) dha.[43] Keessumaayyuu, yaanni abbaa qabeenyummaa lafaa akka kanaa biyyoota sab-daneessaa fi aad-daneessa, akkasumas mala qonnaa garaagaraa kan qaban kan akka Itoophiyaaf barbaachisaa akka ta'e kan akeekan ni jiru.[44]

Barreessitoonni tokko tokko yaaddama abbaa qabeenyummaa lafaa gamtaa kana abbummaa qabeenyaa waliinii (hawaasaa) (communal land ownership perspective) jedhanii waamu.[45]Akka fakkeenyaatti, yaaddamni abbaa qabeenyummaa lafaa gamtaa ykn waliinii kan mul'atu qabeenya akka lafa dheedichaa (grazing lands), lafa bosonaa (forest lands), bishaan qurxummiin keessatti horsiifamtu (fisheries), jallisii, bishaan lafa jalaa (underground water), bishaan boollaa (water wells), daandii ganda keessaa (village roads), daandii ollaa walquunnamsiisu (neighbouring roads), kkf faa kaasuun ni danda'ama.[46]

Yaaddamni abbaa qabeenyummaa lafaa gamtaa kun lafti siyaasa irraa adda bahee akka ilaalamu (de-politicization of land) barbaada. Akka ejjennoo yaada kanaatti, yaanni abbaa qabeenyummaa lafaa uummataa (the people's ownership paradigm) mirga qonnaan bulaa ni miidha; qonnaan bulaan bilisaan lafa isaatti akka hin fayyadamne taasisa; sodaa keessas isa galcha; kana irraa kan ka'es mootummaan lafa isaa salphaatti irraa fudhachuu ni danda'a jedhamee qeeqama.[47] Sababa kana irraa kan ka'es qonnaan bulaan yeroo hunda sodaa mootummaa jala jiraata. Mootummaan yoo barbaade sababa fudhatama qabuufis ta'e fudhatama hin qabneen lafa qonnaan bulaa irraa fudhachuu waan danda'uuf. Kanaaf immoo akka sababaatti yeroo baay'ee kan fayyadamu sababa faayidaa uummataaf jedhamee lafti qonnaan bulaa irraa fuudhamuu isaati. Kana jechuun garuu lafti faayidaa uummataaf barbaadamee qonnaan bulaa irraa hin fudhatamu jechuu otoo hin taane

[42] Muradu Abdo, Akkuma 41ffaa, F.29
[43] Muradu Abdo, Akkuma 42ffaa, F.49
[44] Muradu Abdo, Akkuma 43ffaa, F.51
[45] Daniel Weldebriel, Olitti yaadannoo lak.7, F.35
[46] Akkuma 45ffaa.
[47] Siegfired Pausewang, Ethiopia: A Political View from Below, South Africa, Journal of International Affairs, Jiil. 16, Lak 1Muraadoo Abdootiin akka wabeeffametti.

qajeeltoo kana akka malee fayyadamuu ni danda'a (abuse of power) kan jedhu hubachiisuufi. Sodaa kana irraa kan ka'es qonnaan bulaan gaaffii mirgaa fi gaafatamummaa mootummaa irratti kaasuu irraa of qusata. Kun immoo mootummaan akka abbaa qabeenyaa lafaa isa dhumaatti ilaalamee qonnaan bulaa immoo akka tajaajilaatti kan ilaalchisu, hariiroo 'landlord-tenant' jedhamutti geessuu ni danda'a yaada jedhu irraa kan maddu dha.

### 2.1.4. Yaaddama Abbaa Qabeenyummaa Lafaa Uummataa(The Public Ownership Perspective)

Yaaddamni kun bal'inaan kan xiyyeeffatu uummani akka waliigalaatti abbaa qabeenyaa lafa baadiyyaa fi magaalaa ta'uu irratti. Akka yaaddama kanaatti, lafti qabeenya uummataa waan ta'eef, namni dhuunfaan ykn hawaasni muraasni (fkn akka yaada qabeenyummaa lafaa gamtaa) abbaa qabeenyaa lafaa ta'uu hin danda'u.

Seenaa sirna bulchiinsa lafaa biyyaa kanaa keessatti lafti yeroo jalqabaaf qabeenyummaa dhuunfaa irraa gara qabeenyummaa uummataatti kan darbe kufaatii mooticha Haayile Sillaasee sababeeffachuun labsii lakk.31/1975 (GC)tiin yoo ta'u, lafti magaalaa fi baadiyyaa qabeenyummaa uummataa akka ta'u labsameera.[48]Kunis warraaqsa ykn qabsoo barattoota yuuniversiitii kallattii adda addaatiin gaggeeffamaa tureen kan argame dha jechuun ni danda'ama. Mormii barattoonni yuuniversiitii bara 1960'moota keessa rakkinaa fi qisaasama abbootii lafaa bara mooticha Haayila Sillaasee keessa qotee bultoota yeroo sanaa irratti raawwatamaa tureen Dargiin aangootti dhufuun yeroo gabaabaa keessatti lafti harka abbootii lafaa harkaa bahee kan uummataa akka ta'u labse. Gama kanaanis irra keessaan yeroo ilaalamu gaaffiin barattootaa dhimma lafaa ilaalchisee deebii argateera jechuun ni danda'ama.

Bara mootichaa keessa lafti akka qabeenya dhuunfaa abbootii lafaatti ilaalamaa waan tureef, abbaan lafaas lafa isaa qotee bultootaaf kennee akka qotan taasisuun walitti dhufeenyi isaan gidduu ture akka gooftaa fi tajaajilaa (landlord-tenant) ti.Qotee bulaanis waan qotu keessaa muraasa qofa fudhatee isa kaan baay'inaan abbaa lafaaf kennaa ture. Sababa kanaaf immoo otoo hin jaallatiin hiyyummaa jala jiraachaa ture.

[48] Melese Damte, Land Ownership and Its Relations to Sustainable Development, in Muradu Abdo (ed.), Land Law and Policy in Ethiopia Since 1991: Continuities and Changes, Ethiopian Business Law Series, Vol.III, Addis Ababa University, School of Law, 2009, FF.31-38

Erga mootummaan Dargii kufee boodas, heerri RDFI fi Heerri Naannoo Oromiyaa haaluma sirna bulchiinsa lafaa sirna duraa kana fakkaatuun lafti magaalaa fi baadiyyaa, fi qabeenya uummamaa, qabeenya uummataa fi mootummaa (state) akka tumameera.[49]Itti dabaluudhaanis, qabeenyummaan lafaa kan saboota, sablammootaa fi uummatoota Itoophiyaati jechuun tumameera. Heera Naannoo Oromiyaa jalattis haaluma walfaakkatuun tumameera.Laftis bitamuu fi gurguraauu, akkasumas haala kamiinuu jijjiiramuu hin danda'u.As keessatti, abbaa qabeenyummaa lafaa kan mootummaa Dargii irraa kan adda baasu lafti qabeenya waloo uummataa fi mootummaa (state) ta'uu isaa ti.

Akka Heera Federaalaa fi Naannootti, lafti fi qabeenyi uumamaa qabeenyummaan isaa kan uummataa fi mootummaa (state) jechuun maal jechuu akka ta'e, akkasumas, lafti qabeenya waloo saboota, sablammootaa fi uummatoota Itoophiyaati jechuun kan tumame garaagarummaa fi maalummaa isaa irratti ibsa bal'aa fi iftoomina qabu barbaada.

Dhimma kana ilaalchisee hayyoonni tokko tokko gama lamaan hiikamuu akka danda'u ni kaa'u. hiikaan jalqabaa lafti qabeenya uummataa fi mootummaa ti yommuu jedhu, yaanni dabarfamuu barbaadame lafti qabeenya dhuunfaa ta'uu akka hin dandeenye yaadamee waan ta'eef uummannii fi mootummaan akka tokko ta'aniitti yoo kaa'amu, gama biraatiin immoo jechi uummataa fi mootummaa jedhu adda adda waan ta'eef, lafti qabeenya waloo (joint ownership) lamaan isaaniiti.[50]Hiikni lammaffaa irratti kenname kun hubannoo qabeenya lafaa aadaa (customary understanding of land ownership) irratti kan hundaa'e waan ta'eef, akka yaada kanaatti lafti waaqaan ykn uumaadhaan kennama jedhamee waan amanamuuf, qabeenya mootummaa qofa miti.

As irratti, garaagarummaa mootummaa (biyya) (state) fi mootummaa (government) adda adda baasanii ilaaluun barbaachisaa dha. Afaan Oromootiin jechoonni 'state' fi 'governemnt' jedhaman kunjecha walfakkaatuun 'mootummaa' jedhamee yoo bakka buufame iyyuu jechoonni kun lamaan hiika adda addaa qabu. Heerichis ifatti lafti qabeenya uummataa fi biyyaa (state) jedha malee kan uummataa fi mootummaa (government) hin jedhu. Kana irraa kaanee yoo ilaallu biyyi (state) tokko ulaagaawwan ittiin beekamu keessaa mootummaa fi uummanni isaan tokko. Daangaan biyyi sun qabdu immoo lafaan (territory) kan beekamu dha. Lafti daangaa biyya sanaa

49 Heera Mootummaa RDFI, Kwt.40(3)
50 Melese Damte, Olitti yaadannoo lak. 48, F.32

keessatti argamu immoo kan fayyadu (adda durummaan) uummataa biyya sanaati. Kanaaf, Heerri lafti qabeenya uummataa fi biyyaati yommuu jedhu hiika kana yaada keessa galcheeti jechuun ni danda'ama.

Gama biraatiin immoo mootummaan (government) abbaa qabeenyaa lafaa miti erga jennee gahee fi barbaachisummaa isaa ibsuun barbaachisaa dha.Kanas Heerri ifatti kaa'eera. Haala kanaan mootummaan lafaa fi qabeenya uumamaa uummata bakka bu'ee qabiyyee isaa jala oolchuun faayidaa waloo fi misoomaaf akka oolu ni taasisa.[51]Kanaaf gaheen mootummaa lafa bulchuu, uummaanni akka itti fayyadamu taasisuu, fi lafti misoomaas akka oolu taasisuu dha. Kunis hojii ykn aangoo idilee mootummaan uummata bakka bu'ee qabaatu dha. Mootummaan bakka bu'aa uummataa yoo ta'u, aangoo seer baasuu, seera raawwachiisuu fi seera hiikuu irratti kan ramadame dha.

Dhimmi ijoon asitti ilaalamuu qabu inni guddaan, yaaddamni qabeenyummaa lafaa uummataa kun yaadota biro irraa addatti faayidaa inni qabu ilaaluun barbaachisaa dha. Akkuma armaan olitti kaafne, qisaasama qonnaan bulaa irra qaqqabaa ture irraa ka'uun warraaqsi barattoota yunivarsiitii bara 1960'moota keessa ture lafti qabeenya dhuunfaa abbootii lafaa irraa gara qabeenya uummataatti akka darbu taasifameera. Muuxannoon hamma ammaatti jiruttis kanuma kan agarsiisu dha. Lafti qabeenyummaa dhuunfaa irraa gara uummataatti akka darbu kan taasifamee fi gaaffiin ka'aa tures sababni inni guddaan qonnaan bultootaaf eegumsa ykn wabii guddaa taasisuufi. Lafti qabeenya dhuunfaa ta'e akka meeshaa idilee kamiittuu bittaa fi gurgurtaatti yoo dhiyaate jalqaba irratti kan miidhamu qonnaan bulaa dha. Sababni isaas sooressii ykn abbaan qabeenyaa maallaqa waan qabuuf qonnaan bulaa irraa lafa bituun walitti dhufeenya kanaan dura ture 'landlord-tenant' deebisuu ni danda'a. Kun immoo namoota muraasa sooromsee, hedduu immoo hiyyummaatti hambisa; lafa isaanii irraas akka ka'an ykn buqqa'an ni taasisa. Heera Federaalaa keessatti keewwanni 40 yeroo tumames, falmii guddaan ture sababoota ykn dhimmoota kana lamaan irratti.

### 2.2. Seerota Lafa Baadiyyaa Akka Biyyaa fi Naannoo Oromiyaatti Jiran

[51] Heera Mootummaa RDFI, Kwt.89 (5).

Diinagdeen Itoophiyaafi jireenyi hawaasa biyyattii dhibbentaa 80% ol ta'u qonna iratti kan hundaa'e dha.[52]Yeroo ammaatti bulchiinsi lafaafi qabeenya uumamaa mootummaalee federaalaa fi naannolee gidduutti qoodama. Biyya kana keessatti jijjiiramni imaammata lafaafi wabummaa abbaa qabiyyummaa lafaa irratti taasifame akka waliigalaatii iddoo saditti akka qoodamu barreefamootni ni ibsu.[53] Isaanis:-Yeroo bulchiinsaa mootii [Bara 1975 dura], yeroo bulchiinsa mootummaa Dargii (Bara 1975-1991) fi kan ammaa kana [Bara 1991 irraa hanga ammaatti]. Baroota kanneen keessatti lafa bulchuuf akka tolutti seerotni adda addaa bahaa turaniiru. Kutaa kana keessattis akka waliigalaatti heera dabalatee seerota dhimmicha irratti jiran kaayyoofi gaaffilee qorannoo keenyaa irratti xiyyeeffachuun kan sakattaanu ta'a.

### 2.2.1. Yeroo Bulchiinsa Moototaa (Bara 1975 Dura)

Yeroo bulchiinsa mootii wantuma mootiin jedhatu raawwatama waan ta'eef seerri jiraatus jiraachuu baatus garaagarummaa hin qabu ture. Mootiin akkuma barbaadetti lafa miseensota maatii isaatiifi miseensota waraana isaatiif hanga barbaade kennaa akka ture barreeffamootni ni ibsu.[54] Yeroo sanatti abbaan qabeeyyummaa lafa hedduu walxaxaature.Sirni lafa gara Kaaba *Rist* jedhame kan beekkamu yoo ta'u; gara kibbaa biyyaatitti immoo *Gult* jedhamun beekkama.[55] Sirna rist keessatti mirga itti fayadama qabiyyee lafaa kana miseensa maatii isaanitif dabarsuu ni danda'u;[56] garuu miseensa maatitiin ala dabarsuu dhorkaa dha.[57] Gara Kaaba biyyaatti haalli wabii mirga qabiyyee lafaa, qabiyyee dhunfaa, kan bataskaana (church), kan mootummaa jedhamuun ittifayyadamtootaaf kennamaa ture. Gara kibbaa fi kibbaa lixaa biyyaatti lafti garmalee sirna abba lafaatin akka qabamu ta'ee waan tureef[58] akka gara kaabaa mirgi

---

[52] USAID Country Profile, Ethiopia, Property Rights and Resource Governance Profile. F1.

[53]Melkamu Belachew and Shewakena Aytenfisu, Facing the Challenges in Building Sustainable Land Administration Capacity in Ethiopia (2010), F2.

[54] Akkuma 53[ffaa].

[55] Muradu Abdo, Olitti yaadannoo lak.26, FF. 60.

[56] Donald Crummey, Land and Society in the Christian Kingdom of Ethiopia: From Thirteen to the Twentieth Century (Urbana: University of Illinois Press, 2000), F 9 Muraaduudhaan akka wabeeffametti.

[57] Harrison Dunning, ''Land Reform in Ethiopia: A Case Study in Non-Development'', (1970) UCLA L. R., Jiil.18, Lak2, F. 274 Muraaduun akka wabeeffametti.

[58] The owners of the land were royalties, nobilities, retired soldiers, governors, andthe Orthodox Church.

ittifayyadama lafaa amanisiisaa hin turre. Sirna gita bittootaan seeran ala lafa isaani irra akka buqqifaman taasifamaa tureera.[59]

Walumaagalatti, sirni bulchiinsaa fi ittifayyadama lafaa bara 1975 dura ture mala aadaatii fi jidduu lixummaan mootumma (government intervention) kan qabu ture. Waan ta'eefis, akkaataan argannaa lafaa iftoomina kan hin qabneefi loogiif saaxilamaa waan ta'eef rakkoo hamaatif haawsa saxilaa ture jira.[60] Heera mootummaa 1931 fi 1955[61] bahee keessatti laftii fi qabeeny uumaama akka qaabeenya mootummaatti (state domain) teechisee jira. Haata'u malee, bara 1960 seera hariiroo hawaasaa (civil code) baasuudhan sirni qabiyyee lafa dhunfaa akka hojii irra oluu taasisuun mirgi wabii qabiyyee lafa akka hammayya'u hojiwwaan raawwatama turaani jiru.[62] Haata'u male rakkoo siyaasa bara sana tureen rifoormin kun galma gahuu hin dandeenye.[63]Sirna bulchiinsa lafaa yeroo mootii ture yaaddamoota dhimma lafaa wajjjin yoo ilaallu isa kam keessatti akka kufu ibsuun rakkiisaa dha. Sabiin isaas sirni yeroo sana ture abbaan qabeenyummaa lafaa kan dhuufaa, kan mootummaa akkasumas kan waloo waan of keessaa qabu waan fakkaatuuf dha. Akkasumas, sirni bulchiinsa lafa baadiyaa fi magaala adda adda bahee seeraan hin teenye ture. Kunis bulchiinsaa fi ittifayyadama lafaa yeroo sanaa walxaxaa akka taasise tilmaamuun nama hin dhibu.

### 2.2.2. Seera Lafaa Yeroo Mootummaa Dargii (1974-1991)

Rakkowwan yeroo sirna bulchiinsa mootii lafaan walqabatee raawwatamaa ture kan hawaasa lafa irraa buqqisuun rakkoo guddaaf saaxile waan tureef mormiin lafti qonnaan bulaaf jedhu gaggeeffamaa erga turee dhuma irratti sirni bulchiinsa mootii akka mo'amu taasiseera.[64] Mootummaan Dargii lafa irratti jijjirama (reform) taasiseen sirna abbaa lafummaa yeroo bulchiinsa isaan dura turee dhabamsiisuun lafti kan mootummaa akka ta'e labse. Abbaan qabeenyummaa lafaa mootummaa ta'uun Heera Mootummaa Dargii (the Constitution of the

---

[59]Hussein Jimma, *The Politics of Land Tenure Ethiopian History:Experience from South*, (Center for Environment and Agriculture studies,Trondheim, Norway, 2004.

[60] Crewett, W. *etal*, Land Tenure in Ethiopia: Continuity and Change, Shifting Rulers, and the Quest for State Control. CAPRi Working Paper 91 (International Food Policy Research Institute, 2008, Washington, DC) http://dx.doi.org/10.2499/CAPRiWP91.

[61] Heera Mootummaa Mootii Hayile Sillaasee bara 1955, Kew.130.

[62] Williamson I'faa, Olitti yaadannoo lak.1, F.67.

[63] Akkuma 62[ffaa].

[64] Zerfu Hailu, Land Governance Assessment Framework Implementation in Ethiopia, Final Country Report (2016), F26.

People's Democratic Republic of Ethiopia) keessattis ta'e labsii lafa baadiyyaa[65] keessatti ibsameera. Mootummichis labsii lafa baadiyyaa baasuun lafti baadiyyaa abbootii lafaa irraa fudhatamee kanneen lafa hin qabneef irra deebiyamee akka qoodamu taasiseera. Labsiin lafa baadiyyaa mootummaan dargii baase imaammata lafaa duraan ture guutummaa guutuutti dhabamsiisuun sirna bulchiinsa lafaa haaraa diriirse. Labsichi sirna bulchiinsa lafaa amma jiruufillee bu'uura ta'ee darbe.

Labsiin lafa baadiyyaa bara mootummaa Dargii lafti abbootii lafaa irraa fuudhamee qonnaan bultootaaf tolaan hanga jireenya isaanii ittiin gaggeeffachuuf isaan dandeendessisu; hanga maatii isaanii irratti hundaa'uun hektaara 10 kanneen lafa hin qabneef akka kennamu eeyyama.[66] Qonnaan bultootni lafti haala kanaan kennameefis mirga lafichatti fayyadamuu malee mirga dabarsuu hin qabani.[67] Labsicha boqonnaa sadaffaa irratti waldaa qonnaan bultootaa dhaabuun[68] haala itti lafti abbaa lafaa irraa fudhatamee kanneen jireenya isaanii qonnaan gaggeessuu barbaadaniif itti hiramu tuma. Haala kanaan, waldaan qonnaan bultootaa (peasant associations) sadarkaa gadiitti hundaa'uun hojii kana irratti hirmaata.

Gaheewwan hojii waldaalee qonnaan bultootaa kanaaf labsichi kenne keessaa tokko qaama waldhabbii dhimma lafaa furu dhaabuu dha. Qaamni dhaabbatu kun adeemsa lafa baadiyyaa kanneen lafarraa buqqifaman yookiin warra abbootii lafaatiif hojjetaniif hiruu keessatti mul'atus ta'e falmii lafa baadiyyaan walqabatee ka'u kan furu dha.[69] Qaamni kun sadarkaa gandaattis sadarkaa aanaafi godinaattis hundaa'eera.[70] Labsichi akkuma lafa qonnaa abbaa lafaa irraa fuudhuun kanneen qonnaan jiruu isaanii gaggeeffachuu barbaanif hire, horsiisee bulaafis mirga lafa akka aadaatti dheedichaaf yookiin qonnaaf itti fayaddaman irratti mirga ofiin itti fayyadaman aangessuun kaffaltii isaan abbootii aangoof ***(balabats)*** kaffalan akka hin kaffalamne dhorkeera.[71] Akkuma qonnaan bultootaatti warri horsiisee bulaas waldaalee hundeessuun

[65] Public Ownership of Rural Lands Proclamation No. 31/1975, Art. 3 (1). The public ownership which is equated with state ownership is also included in the Derg Constitution under Art.13 (1).
[66] Public Ownership of Rural Lands Proclamation No. 31/1975, Art. 4 (3).
[67] Art. 5 of the 1975 rural land proclamation prohibits transfer of the land rights in any ways. It reads as follows: "No person may by sale, exchange, succession, mortgage, antichrists, lease or otherwise transfer his holding to another; provided that upon the death of the holder the wife or husband or minor children of the deceased or where these are not present, any child of the deceased who has attained majority, shall have the right to use the land."
[68] Public Ownership of Rural Lands Proclamation No. 31/1975, Art. 8.
[69] Public Ownership of Rural Lands Proclamation No. 31/1975, Art. 10(4).
[70] Public Ownership of Rural Lands Proclamation No. 31/1975, Arts. 8 and 11(4).
[71] Public Ownership of Rural Lands Proclamation No. 31/1975, Arts. 24 fi 25.

dhimma isaan ilaallatu iratti labsichi sirnaan hojiitti akka hiikamu gochuu akka qaban keewwata 26 irratti tumameera.

Labsichi falmiin lafa baadiyyaatiin walqabatee jiru mana murtii idileen osoo hin taane qaama abbaa seerummaa waldaalee qonnaan bultootaan hundaa'un akka furamu ibsa. Kanaafuu, dhimmi falmii lafa baadiyyaa kan biratti ilaalamu qaama abbaa seerummaa qabu (judicial tribunal) kan waldaan qonnaan bultootaan hundaa'uun ta'a. Manni murtii idilee dhimma falmii lafa baadiyyaa ilaaluu akka hin qabne labsichi keewwata 28 (3) jalatti ifatti tumeera. Akkaataa kwt 28(1) tiin falmiiwwan lafa baadiyyaa yeroo labsichi bahu mana murtii idileetti adeemsarra jiranillee akka hafan ta'aniiru. Akka labsii kanaatti, dhimmi lafa baadiyyaa kan furmaata argatu karaa qaama abbaa seerummaa bulchiinsaa (judicial tribunal) ta'a jechuu dha. Falmii lafa baadiyyaan walqabatee ka'u akka furuuf qaamni aangeffame mana murtii idilee osoo hin taane qaama abbaa seerummaa bulchiinsaa akka qabaatuuf hundaa'e ta'ee; qondaalli refoormii lafaa walitti qabaa ta'a.[72]

Walumaagalatti, labsii lafa baadiyyaa bara 1975 bahe sirna abbaa qabeenyummaa lafaa walxataa ture irraa gara kan mootummaatti (public ownership) kan jijjiire dha. Akka labsii lafa baadiyyaa kanatti, dhimma lafaatiin walqabatee waldhabbiin yoo jiraate karaa qaama abbaa seerummaa qondaalli reformii lafaa sadarkaa, sadarkaan jiru walitti qabu kan waldaaleen qonnaan bultootaa yookiin horsiise bultootaan hundaa'eeni dha. Sirni abbaa qabeenyumma lafaa yeroo mootummaa Dargii yaaddamoota lafaatiin yoo ilaalamu abbaa qabeenyummaa lafaa mootummaa (public ownership) akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

### 2.2.3. Seerota Lafaa Yeroo Ammaa Jiran (Bara 1991 booda)

Kufaatii mootummaa Dargii booda rifoormiin dhimma lafaatiin walqabatee taasifame hagas mara miti. Ta'us, seera lafa baadiyyaa bara mootummaa Dargii ture irratti fooyya'insi taasifame ni jira. Kunis osuma qabeenyummaan lafaa kan uummataafi mootummaa ta'ee jiruu mirgoota abbaa qabiyyee bal'atanii jiraachuun kan ibsamu dha. Akka mootummaa federaalaattis ta'e akka naannoleetti seerotni lafaa heera mootumma irraa kaasee hanga dambiitti tumamanii jiru. Haaluma kanaan, kutaa kana jalatti tumaalee heeraa fi seerota kunneenii kan sakattanu ta'a. Isaan

[72] Public Ownership of Rural Lands Proclamation No. 31/1975, Art. 14(1).

kanas kanneen sadarkaa Federaalaatti jiraniifi kan akka naannoo Oromiyaatti jiranitti qooduun tokko tokkoon sakattaana.

#### 2.2.3.1. Seerota Lafa Akka Mootummaa Federaalaatti Jiran

##### 2.2.3.1.1. Heera Mootummaa RDFI

Mootummaan Rippaabilika Dimokraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa (RDFI) sirna abbaa qabeenyummaa lafaa kan mootummaa Dargii itti fufsiisuun abbaan qabeenyummaa lafaa mootummaafi ummatoota biyyattii akka ta'e heera mootummaa keessatti tumeera.[73] Heerri RDFI keewwata 40 irratti abbaan qabeenyummaa lafa baadiyyaas ta'e kan magaalaa akkasumas qabeenyi uumamaa kan saboota, sablammootaafi ummatoota Itoophiyaafi mootummaa akka ta'e ibsuun, lafti gurguramuu akka hin danda'amne ifatti tumeera. Kewwatichi akka armaan gadii jedha.

> *"The right to ownership of rural and urban land, as well as of all natural resources, is exclusively vested in the State and in the peoples of Ethiopia. Land is a common property of the Nations, Nationalities and Peoples of Ethiopia and shall not be subject to sale or to other means of exchange."*[74]

Heerichumti lafti akka waliigalaatti kan mootummaafi ummataa ta'us hawaasni jiruu isaa qonnaan gaggeeffachuu barbaadus ta'e horsiisaan buluu barbaadu lafa jiruu isaa kana gaggeeffachuuf isaan barbaachisu kaffaltii malee argachuuf mirga kan qaban ta'uu tuma. Haala addaatiin dantaa hawaasa waliigalaaf mootummaan yoo barbaade malee qabiyyee lafaa irraa nama kamiyyuu kaasuun akka hin danda'amnes heerichi keewwata 40(6) jalatti tumeera.

Itoophiyaan sirna federaalizimii kan hordoftuufi aangoonis mootummaa federaalaafi naannolee gidduutti kan qoodamu dha. Haaluma kanaan, dhimma lafaatiin walqabatees heerichi mootummaaleen lamaan aangoo akkamii akka qaban teechiseera. Boqonnaa shanaffaa irratti heerri RDFI caaseffamni mootummaa kan federaalaafi naannoo akka ta'e ibsuun mootummaalee lamaanuu qaamolee mootummaa sadan (seera baastuu, seera hiiktuufi seera raawwachiistuu) akka qabaatu tuma.[75] Heerichuma keewwata 51 irratti aangoo seera baasuu mootumma

---

[73] Heera Mootummaa RDFI, Kwt. 40 (4) fi (8).
[74] Heera Mootummaa RDFI, Kwt.40 (3).
[75] Heera Mootummaa RDFI, Kwt. 50 (1fi 2).

federaalaa yoo tarreessu, *"It shall enact laws for the utilization and conservation of land and other natural resources, historical sites and objects."*[76] jechuun tuma. Sirna federaalizimii kan dhimma naannoo isaatii irratti abbaan naannicha walaba ta'ee (autonomous) waan hunda irratti aangoo akka qabaatu barbaadu waliin walqabsiisanii tumaa heerichaa irratti hanqinni jira kan jedhan jiraatanus; tumaa kana irraa wanti hubatamu seera itti fayyadama lafa baadiyyaa baasuuf kan aangeffame mootummaa federaalaa ta'uu dha.

Gama biraatiin heerichumti keewwata 52(2d) jalatti mootummaan naannolee lafaafi qabeenya uumamaa biroo bulchuuf aangoo akka qaban tuma.[77] Gama kanaan falmiin yeroo hedduu irra dedeebiyee ka'uufi furmaata hin argatiin itti fufee jiru aangoon bulchiinsa lafaa kun haga eessaa gahaa kan jedhu dha. Aangoon lafaafi qabeenya uumamaa biroo bulchuu naannoof kenname kun bulchiinsaaf akka tolutti seera ofiin baafachuu ni danda'a moo hin danda'u kan jedhu dha. Fakkeenyaaf, bulchiinsa lafa baadiyyaa bu'a qabeessa taasisuuf naannoleen seera ittiin bulchan baasuu dabalatamoo waan fedhes ta'u seera lafaa mootummaan federaalaa baasuu hojiirra oolchuu qofa ta'aa? kan jedhu sakatta'uu barbaada. Ammaaf dhimmichaan walqabatee falmiin jiraachuu kaasuun akkam ta'uu qaba kan jedhu kutaa xiinxala seerotaa jalatti kan itti deebinu ta'a.

#### 2.2.3.1.2. Labsii Lafa Baadiyyaa Mootummaa Federaalaan Bahe

Heeri Mootummaa RDFI aangoo seera lafaafi qabeenya uumamaa biroo baasuu mootummaa federaalaatiif kenne. Bu'uuruma kanaanis mootummaa federaalaa yeroo jalqabaatiif labsii bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa bara 1997 baaseera. Labsichis labsii bulchiinsa lafa baadiyyaa mootummaa federaalaa jedhamee moggaafame.[78] Labsiin kun qajeeltoowwan dhimma lafaa irratti heeraan teechifame [public ownership of land] irra deebiin kan mirkaneesse yoo ta'u; abbaan qabeenyummaa lafaa ummataa fi mootumaa akka ta'e seensaa fi keewwata 4 irratti tumeera. Labsiin kun bara 2005tti kan labsii biraatiin bakka buufame yoo ta'u; labsiin lafa baadiyyaa mootumma federaalaa yeroo ammaa hojiirra jiru labsii bulchiinsaa fi itti fayyadama

---

[76] Heera Mootummaa RDFI,Kwt.51(5).

[77] Heerri Mootummaa RDFI,kwt. 52 waa'ee aangoo mootummaalee naannoo irratti fuuleffata. Aangoowwan tarreeffaman keessaa kwt.52(2d) mootummaan naannoo lafaafi qabeenyaa uumamaa biroo akkaataa seera federaalaatiin ni bulcha jedha.

[78] Labsii Bulchiinsa Lafa Baadiyyaa Federaalaa Lak. 89/1997.

lafa baadiyyaa lakk.456/2005 dha. Labsiin kunis lafti kan mootuummaafi ummataa akka ta'e ibsa.[79]

Seensa labsiin lakk. 456/2005 keessatti akkuma ibsame wabummaa abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaa mirkaneessuun, mirga qabeenya horachuu qonnaan bultootaa, itti fufiinsaan itti fayyadamaafi eegumsa lafaafi qabeenya uumamaa mirkaneessuu akkasumas bulchiinsa lafaa bu'a qabeessa ta'e biyyattii keessatti mirkaneessuun kaayyoo labsichaati.[80] Labsichi kutaawwan afuritti qoqqoodama. Kutaan tokkoffaa wantoota waliigalaa yoo ta'u; mata duree gabaataa, hiikkoo jechootaa akkasumas daangaan raawwatiinsa labsichaa guutuu Itoophiyaa keessatti akka ta'e ibsa. Kutaan lammaffaa, abbaa qabeenyummaa lafa baadiyyaafi mirga itti fayyadama isaa ibsa. Lafa baadiyyaa eenyutu[81] argachuuf mirga akka qabu kutaa kana keessatti ibsame. Labsichi lafa baadiyyaa argachuuf ulaagaan lama[82] guutamuu akka qabu teechise. Haaluma kanaan, qonnaan bulaa, horsiise bulaafi gamisaan horsiise bulaan umuriin 18 ol ta'e lafa baadiyyaa mirga dursa argachuu kan qabu ta'us; abbootiin qabeenyaa dhuunfaa/private investor/, dhaabbileen miti mootummaa, mootummaan akkasumas dhaabbileen hawaas-diinagdee hojii qonnaa irratti hirmaachuu barbaadan lafa baadiyyaa argachuu ni danda'u jechuun tuma.

Akkaataa argannaa lafa baadiyyaatiin walqabatee, labsichi kennaan (donation), dhaalaan (inheritance), kennaa qaama mootummaa[83] caasaalee isaa lafa bulchaniin ta'uu akka danda'u ibsa.[84] Ragaa abbaa qabiyyummaa lafaa kennuufi haga turtii isaatii kutaa kana jalatti ibsameera. Qonnaan bulaa, horsiise bulaafi gamisi-horsiise bulaa yeroo hin murtoofnee mirga lafichatti fayyadamuu kan qaban yoo ta'u; hagi turmaataafi mirgi ittifayyadama lafa baadiyyaa qaamota

---

[79]Labsii BILBF Lak. 456/2005, Seensa (the preamble) isaa.

[80] Labsii BILBF Lak. 456/2005,Seensa (the preamble).

[81] Labsichi qonnaan bultoonni, horsiisee bultoonnifi gamisa horsiisee bultoonni, investeroonni dhuunfaa,dhaabbileen mootummaa, dhaabbileen miti-mootummaafi mootummaa hojii hawaasummaafi diinagdee irratti hirmaatan hojii qonnaa irraatti bobba'uu barbaadan lafa baadiyyaa argachuu akka danda'an ni ibsa.

[82] Someone who wants to get rural land for free must base his/her livelihood on that land and must be of age. Article 5 (1b) of proclamation no. 456/2005 reads like 'Any citizen of the country who is 18 years of age or above and wants to engage in agriculture for a living shall have the right to use rural land; children who lost their mothers and fathers due to death or other situation shall have the right to use rural land through legal guardians until they attain 18 years of age.'

[83] Article 5(3) says, 'The government, as protector of the land, can grant land from unoccupied lands through its different land administration apparatuses empowered to give land to those who are in need of it.'

[84]Article 5(2) of the FDRE Rural Land Administration and Use Proclamation talks about modalities of rural land acquisition. It reads as follows: 'Any person who is member of a peasant farmer, Semi pastoralist and pastoralist family having the right to use rural land may get rural land from his family by donation, inheritance or from the competent authority'.

biroo seera lafa baadiyyaa naannoleen kan murtaa'u ta'a.[85] Hiikkaan waldiddaa dhimma lafa baadiyyaas kutaa kana jalatti ibsameera. Labsichi waldiddaan lafa baadiyyaa irratti ka'u mariidhaan (discussion) akka hiikamu barbaada. Tumaan labsichaa dhimma kana irratti akka armaan gadii jedha.

*Article 12. Dispute Resolution*

*Where dispute arises over rural land and holding right, effort shall be made to resolve the dispute through discussion and agreement of the concerned parties. Where the dispute could not be resolved through agreement, it shall be decided by an arbitral body to be elected by the parties or :b) decided in accordance with the rural land administration laws of the region.*[86]

Keewwata kanarraa yeroo waldhabbiin dhimma lafa baadiyyaa irratti ka'u filannoon duraa waliin dubbiifi waliigalte gareewwan waldhabaniin akka xumuramu gochuu yoo ta'u; yoo kun dadhabame ammoo jaarsolee jarri filataniin yookiin akkaataa labsiin bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa naannolee tumuun kan xumuramu ta'a.

Kutaan sadaffaan karoora itti fayyadamaafi kunuunsa lafaati. Kutaan kun dhorkaawwan akkasumas tooftaa itti fayyadama lafa baadiyyaa ibsa. Itti fayyadamni lafa baadiyyaa haala kamiin ta'uu akka qabu ibsa. Kunis gama tokkoon eegumsa lafa baadiyyaaf taasisaa; jiruun itti fayyadamtootaas laficha irratti yoo maal hojjetan akka fooyya'uu danda'u ilaachaa keessa waan galche fakkaata. Fakkeenyaaf keewwatni 13 (6), lafa baadiyyaa ejjinni (slop) 60 ol ta'e qonnaafi beeylada gad-lakkisanii dheechisuuf ta'uu akka hin qabne tumameera. Sababni isaas lafti ejjinni isaa haga sana ta'ee qoonnaaf yookiin beeylada itti naquun kan dheechisan yoo ta'e lafichi hubiif saaxila waan ta'eefi dha. Kutaan afraffaa tumaalee adda addaa kan of keessatti qabatee dha. Dhimmootni akka dirqamaafi itti gaafatamummaa qaamolee seericha hojiirra oolchanii akka federaalaafi naannoleetti[87]; tumaalee itti gaafatamummaa seericha darbuun hordofisiisu akkasumas dirqama deeggarsa kennuufi seerota raawatiinsa hin qabne hammatee jira.

---

[85] Labsii BIFLBF Lak. 456/2005, Kwt.7 (2).
[86] Labsii BIFLBF Lak. 456/2005, Kwt. 12.
[87] Fakkeenyaaf, Labsiin BIFLBF Lak. 456/2005, Kwt. 17 mootummaaleen naannoo labsicha hojiirra oolchuuf seera baasuu akka qaban tuma.

#### 2.2.3.2. Seerota Lafaa Akka Naannoo Oromiyaatti

##### 2.2.3.2.1. Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Mootummaan Naannoo Oromiyaas labsii lakk.46/1994 baaseen akka naannootti imamaata lafaa akkaata heera mootummaa federaala keessatti ibsameen gara garummaa tokko malee teechisee jira.[88] Kunis Mirgi abbummaa lafaafi qabeenya uumamaa baadiyyaas ta'e magaalaa, kan Mootummaafi uummataa qofaadha. Lafti kan hin gurguramne, yookiin kan hin geeddaramne, qabeenya gamtaa uummata Naannichaati jedhamee heera mootummaa kana keessatti tumamee jira.[89]Qonnaan bultoonnii fi horsiise bultootni naannichaa lafa tolaan argachuufi itti fayyadamuu akkasuams lafa isaanii irraas akka hin buqqaane eegumsa keenneefii jira.[90]Abbummaan lafaa kan uummataa ta'uun akkuma eegametti ta'ee, Mootummaan Naannichaa, abbootii qabeenyaa dhuunfaatiif, kafaltii seeraan murtaa'uun mirga lafatti fayyadamuu akka qabaataan heerichi ni tuma.

Akka naannoottis namni kamiyyuu humna, yookiin maallaqa isaatiin, lafarratti qabeenya dhaabbataa ijaaruufyookiin fooyya'ina hin jijjiiramne taasisuuf mirga guutuu qaba. Mirgi kun kan gurguruu,geeddaruu, dhaalchisuu, itti fayyadamuun lafichaa ennaa dhaabbatu qabeenyasaa kaafachuu, abbaa qabeenyummasaa jijjiiruu, yookiin mirga kafaltii beenyaa gaafachuu fi Mootummaan Naannichaa faayidaa uummataatiif barbaachisaa ta'ee ennaa argu, beenyaa wal madaalu dursee kafaluudhaan qabeenya dhuunfaa fudhachuu akka danda'uu heera mootumma naannoo Oromiyaa keessattis haaluma heera mootummaa federaala waliin walfakkatuun tumaamee jira.[91]

##### 2.2.3.2.2. Labsii Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa (Labsii Lakk. 130/99)

Akkuma Heera Mootummaa RDFI keessatti ifatti tumame aangoon bulchiinsa lafaafi qabeenya uumamaa biroo naannoleef kennameera. Labsiin lafa baadiyyaa mootummaa federaalaa lakk.456/2005 kwt 17 irratti naannoleen labsicha hojiirra oolchuuf seera gadi-fageenya qabu baasuu akka qaban dirqisiisa. Labsiin bulchinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa yeroo adda

[88] Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Kwt. 40 ilaalun ni danda'ama .
[89] Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Kew 40 (3)
[90] Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Kwt. 40 (4-5).
[91]Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Kwt. 40 (6-8).

addaa foyya'aa kan ture[92] yoo ta'u; Mootummaan Naannoo Oromiayaas bara 2002 irraa kaasee labsii lafa baadiyyaa baasaa tureera. Dhimma bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa irrattis labsiin jalqa mootummaa naannoo Oromiyaatiin bahe labsii lakk 56/2002 kan labsii bulchinsaa fi ittifayadamaa lafa baadiyyaa mootummaa naannoo Oromiyaa jedhamee waamamuu dha. Labsii kana keessatti dhimmoonni ijoo ta'an ibsamanii jiru. Iisaanis ;- haala argannaa lafaa, migaa itti fayadama lafaa, haala waldiddaa fi waldhabbii daangaa lafaa ittin hiikamu isaan ijoo dha. Labsii kana keessatti dhimmootni barbaachisaa ta'an hiikkoo keessatti osoo hin tumamiin waan hafaniif; haala qoodinsa lafa jalliisii ilaalchiseefi haala waldhabdeen lafaa itti furamu irrattii fi labsichi mirga ol'iyyannoo labsichi kan dhorku waan ta'eef; akkasumas akkaataa mirgaa fi dirqama itti fayyadamtootaa irratti hanqinni waan jiruuf labsichi akka fooyya'u ta'eera.[93]

Labsiin Bulchinsaa fi Ittifayadama lafa baadiyyaa lakk.56/2002 fooyyessuuf bahe labsiin lakk.70/2003 bahes hanqinoota akka miseensi maatii eenyu akka ta'aan ibsamuu dhabuu; haala mirga kiraan lafa baadiyyatti fayyadamuu irratti hanqinnii waan jiruuf; kana malees akkaataa kenneenis waraqaa abbaa qabiyyummaa irratti hanqinni waan jiruuf labsiin 70/2003 fooyya'eera.[94] Labsiin kunis labsii 103/2005'n kan bakka bu'e yoo ta'u sababoota adda addaatiin labsiin kunis fooyya'ee labsii yeroo ammaa hojiirra jiru labsii bulchiinsaa fi itti fayyadama laba baadiyyaa Oromiyaa labsii lakk 130/2007'n bakka bu'eera.

Yeroo ammaatti labsiin dhimma lafa baadiyyaa bulchu akka naannoo Oromiyaatti labsii Lakk 130/2007 dha. Labsii kun lafa baadiyyaa naannoo Oromiyaa hundaa keessatti raawwatinsa kan qabaatu dha.[95] Labsii kana keessatti dhimmonni ijoo ta'aan kutaa kutaan fi keewwata keewwatan adda bahaan kan ta'aan yoo ta'u; labsichi kutaa afuurii fi keewwattoota sodomii tokko qaba. Qabiyyeen labsichaa yoo ilaallu, dhimmota ijoo ta'an;-haala argannaa lafaa baadiyyaa, akkaata dabarsa mirga ittifayadama lafa baadiyyaa, karoora ittifayyadama lafaa ilaalchisee mirgaa fi dirqamaa ittifayyadamtoota, akkasumaas haala waldiddaa fi waldhabiinsi daangaa ykn qabiyyee lafa baadiyyaa irratti uumammu ittin furamuu ifatti kan teechisedha.[96]

---

[92]Labsii bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa akka naannootti-labsii lak.56/1994, 70/1995 fi 103/1997 bahee kan fooyya'ee yoo ta'u, yeroo ammaa kanatti hojii irra kan jiru labsii lak.130/1999 dha.
[93]Guutummaa Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa lak.56/ 2002ilaalun ni danda'aama.
[94] Guutummaa Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa lak.70/1995
[95] Labsii BIFLBO Lak. 130/1999, Kwt 4.
[96] Labsii BIFLBO Lak.130/1999 dubbisuun ilaaluun ni danda'ama.

Labsichi akkataa mirgi itti fayyadama lafa baadiyyaa itti hafuu danda'us tumeera. Akka labsii kanaatti namni mirga itti fayyadama lafa baadiyyaa qabu tokko fedhii isaatiin mirga itti fayyadamaa sana dhiisuu isaa qaama bulchiinsa lafaatti yoo beeksiseedha. Kana malees, sababa gahaa malee waggaa lamaaf lafichatti osoo hin fayyadamiin yoo hafee fi kunis koree barbaachisuun mirkanaa'ee yoo dhiyaate qaamni bulchiinsaa mirga itti fayyadama lafaa san irraa fuudhuu kan danda'u ta'a. Dirqama lafa kunuunsuu yoo bahachuu dhabes mirgi itti fayyadamaa kun irraa fuudhamuu ni danda'a.[97]

#### 2.2.3.2.3. Danbii Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa (Danbii Lakk.151/2012)

Dambiin kunDambii Bulchiinsaa fi Ittifayadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa jedhamee kan waamamuu yoo ta'u labsii bulchiinsaa fi ittifayyadama lafa baadiyyaa Naannoo Oromiyaa lakk.130/2007 raawwachiisuuf dambii bu'uura labsii lakk. 130/2007 keewwata 29 tiin bahee dha.[98] Kaayyoon dambii kana dhimmotaa labsii keessatti kan ibsaman akkuma jiranitti ta'eekanaan duraa labsii keessatti ifatti kan hin tenyee waan jiranif akka dambiui kana keesatti sirritti ifaan taasisamee jira.

Kunis qaamolee gara garaa bulchininsaafi ittifayyadama lafa baadiyyaa keessatti gahee guddaa qaban aangoof gaheen hojii isaani ifatti akka ta'u taasisuuf, dhimmoota waldiddaa fi walittibu'insaa daangaa keessatti caasaleen hirmaachun qaban ibsuuf,haala safarrii fi galmeessa qabiyyee lafaa keessatti dhimmoon ifaa ta'u qabaanyookiin qoodafudhatoota hirmaatanii fi akkaata hojiin kun hirmaanna uumaatatiin raawwatamuu ifa taasisuun waan barbaachiseef, Akkasumaas tumaleen adda addaa keesattu qamooleen akkataa seeran hojii bulchinsaaf ittifayadama lafaa irratti dirqama qaban dirqamaa isaani kan cinatti gatuun rakkoo yoo uuman akakataa isaan gama seeratiin ittigaafatamuu danda'aan adabbii walliin kan ka'ee yoo ta'uu, walumaa galaatti bulchinsaa fi ittifayadama lafa baadiyyaa ilaalchisee, dhimmoonni baay'een raawwii irratti rakkoo kan uumaniifi kuniis labsii irrattii dambii bahuun kan raawwatamu ta'a jedhame waan ka'ameef kanaa fi kanneen kana fakkaatan ifa taasisun yaadame kan baheedha.

[97] Labsii BIFLBO Lak. 130/1999, Kwt 6(16). Tumaan afaan Ingilizii keewwatichaa *"Without prejudice Sub-Article (1) of this Article, any rural land user shall be deprived of hi sland use right under the following conditions: leaving the land unused for two consecutive years, leaving the holding on his own reason, or neglect conserving the land. The detail shall be decided by Oromia Agricultural and Rural Development Bureau* jedha.

[98] Seensa (preamble) dambii bulchinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa naannpo Oromiyaa lakk.151/2005 bahee irra hubachuun ni danda'ama.

Dambiin kun  akkuma labsii bulchinsaaf itti fayyadaama lafa baadiyyaa  dhimmoota ijoo ta'an kan of keessaa qabuu fi kutaa gurguddoo jahaa fi  keewwatoota 34 kan of keessaa qabudha.

## 2.3. Gurmaa'insaafi Bulchiinsa Lafaa

### 2.3.1. Seensa

Bulchiinsi gaariin guddina milkeessuuf gahee bakka hin bu'amne qaba. Bulchiinsi iftoomina, ittigaafatamummaa qabuufi si'ataan dandeettiin investimntii harkisuu isaa guddaa dha.[99] Hog-barruuwwan bulchiinsa karaa adda addaan hiiku. Ta'us, qajeeltowwan bulchiinsaa irratti wanta wal isaan fakkeessu qabu.Fakkeenyaaf, bulchiinsi akka caaseffamaafi adeemsa itti gaafatamummaa, iftoomina, ariitiin deebii kennuu, ol'aanutummaa seeraa, tasgabbii, walqixxummaafi hunda-hammataa (inclusiveness), aangessuufi hirmaachisummaa mirkaneessuutti hiikama.[100] Gama biraan, bulchiinsi aangoo waa raawwachuu abbootiin aangoo siyaasaa fayyadamummaa biyyaafi lammiileef jedhanii raawwatanitti hiikama. Baankiin Addunyaa, bulchiinsi maal maal akka dabalatu wantoota sadii adda baase. Isaanis: haala siyaasa mootummaa (the form of political regime), adeemsaafi abbaa aangoo kamiin qabeenyi uumamaa diinagdeefi hawaasummaaf akka oolfamu, iii) dandeettii immaammata saxaxuu, wixineessuufi hojiitti hiikuu mootummaa akka ta'e ibsa.[101]

Bulchiinsi lafaa, seerota, adeemsaaleefi caasaalee murtiin argannaa lafaafi itti fayyadama isaa ittiin murtaa'uufi raawwatamu;[102] akkasumas feedhiiwwan laficha irratti walmorman ittiin to'atamaniifi waldhabbiin lafa irratti ka'u hiiku dha.[103] Palmer, Fricskafi Wehrman[104] akka jedhanitti, bulchiinsi lafaa bu'uurarraa dhimma imaammata lafaa ittifufiinsa qabu murteesssuufi raawwachuuti.[105] Bulchiinsi lafaa gaariin hundee guddina diinagdee, wabii abbaa qabiyyee lafaafi guddina hawaasummaati. Biyyoota Afrikaa heedduu keessatti bulchiinsi lafaa badaan

---

[99] Keith Clifford Bell, Good Governance in Land Administration (FIG Working Week, Hong Kong, China SAR, 2007) .
[100] Economic Commission for Europe, *Land Administration Guidelines*, 1996
[101]Klaus Deininger *etal*, The Land Governance Assessment Framework (Identifying and Monitoring Good Practice in the Land Sector, 2012).
[102] Global Tool Network, *Good Land Governance Policy Paper.*
[103] FAO/UN-Habitat, 2009
[104] Palmer, D., S. Fricska, and B. Wehrmann, Towards Improved Land Governance (Land Tenure Working Paper 11, FAO and United Nations Human Settlements Programme, Rome, 2009).
[105] FIG NO. 45, *Land Governance in Support of the Millennium Development Goal*,2009

eegumsi mirga lafaan walqabatee jiruu akka sirnaan hin eegamne taasisa.[106] Kana irraa, bulchiinsa lafaa gaarii malee kaayyowwan akka guddina diinagdee fiduufi wabii nyaataa mirkaneessuun waan yaadamu akka hin taane hubanna.

### 2.3.2. Qajeeltoowwan Bulchiinsa Lafaa Gaarii

Bulchiinsi lafaa gaariin dhaabbileen lafa irratti hojjetan seeraafi seerrata barbaachisuun akka hojjetan godha. Hunda caalaa ammoo, bulchiinsaaf qajeeltowwan amoloota gaarii teechisuun hojiiwwan bulchiinsa lafaan walqabatan isaanirratti hundaa'anii akka raawwataman akeeka. Qajeeltowwan bulchiinsi lafaa gaarii irratti hundaa'u namootni adda addaa adda baasaniiru. Fakkeenyaaf, Törhönen et al[107] fa'a bulchiinsi lafaa gaarii dha kan jedhamu qajeeltowwan:

i. **Si'oomina (Efficiency) -** adeemsi galmeessaa, dadabarsa qabeenyaa gabaabaafi salphaa ta'uu. Akkumaa tarkaanfiwwan (steps) salphataa deeman carraan daddabarsi adeemsa hin eegganne raawwatamuu akkasumas kaffaltiin seeraan alaa san raawwachuuf kaffalamu hir'ataa deema.

ii. **Iftoomina, dhaabbataafi tilmaamaa (Transparency, consistency and predictability)** Filannaa hojjetootaa iftoomina qabuufi staandardii tajaajilaa akkasumas gatiin tajaajilaaf bahu iftoomina qabaachuun, bu'aqabeessummaa, ittigaafatamummaa, haqummaafi amanamummaa dhaabbataaf gahee ol'aanaa taphata.

iii. **Walqixxummaa haqaafi al-logummaa (Equality fairness and impartiality)-** Namni hunditajaajila walfakkaataa ilaalcha siyaasaafi qabeenya isaa irratti osii hin hundaa'iin argachuu danda'uu qaba. *Whittal* akka jedhutti bulchiinsi lafaa gaariin amaloota akka: bu'uura seeraafi ol'aantummaan seeraa eegumsa mirga qajeenyaaf taasisu jiraachuu; odeeffannoo dhimma lafaa waayitaawaan jiraachuu; tajaajilli bulchiinsa lafaa lammiileetti dhiyeenyaan jirachuu; akaataa istaandardii addunyaatiin hojjechuu fa'a dabalata.[108] Istaandardiin addunyaalessa, bulchiinsi lafaadambiifi oodiitii fayyadamuun raawwii

---

[106] Mahashe Chaka *etal*, Land Governance in an Interconnected World, Annual World Bank Conference on Land and Poverty, 2018).
[107]Zakaout, W., *etal*, *Good Governance in Land Administration: Principles and Good Practices* (Washington: The World Bank, 2006).
[108] Mamphaka Jeanett Mabesa and J. F. Whittal, Governance in Land Administration Systems: A comparative Analysis of the Former (LSPP) and Current (LAA) Land Administration, 2014

bulchiinsa gaarii lafaa ol guddisuu; akkasumas duub-deebii dhimmicha irratti walitti qabachuun sirni bulchiinsaa akka fooyya'u gochuu dha.

Dhaabbatni Qonnaafi Nyaataa (FAO)[109] barruu isaa bara 2007 maxxanse bulchiinsi lafaa gaariin maal akka fakkaatu yoo tarreessu: i) mirgi lafaa lammiilee hundaaf bifa walfakkaatuun eegamuu; ii) imaammatni biyyoolessaa lafaa sirriiniin kan abbaa qabiyyummaa lafaafi mirga lafa irratti hawaasni qabu seeraan teechiseefi dhaqqabamaan jiraachuu; iii) dhaabbileen lafaa irratti hojjetan tajaajila hawaasa hundaaf kan kennan ta'uu; iv) dhaabbileen lafa iratti hojjetan hawaasa biratti fudhatamummaa qabaachuu; v) bulchiinsi lafa hawaasaa, adeemsi lafti hawaasaa kun gara dhuunfaatti itti jijjiiramu, faayidaa hawaasaaf jecha fudhatamuufi beenyaa itti kaffalamu iftoominaafi ittigaafatamumma kan qabu ta'uu; vi) sirni qabeenyi ittiin madaalamuufi taaksiin itti muramu iftoomina, walqixxumaafi ittigaafatamummaa qabaachuu; vii) tajaajilli dhaabileen lafaa kennan fedhii tajaajilamtootaa kan guutuufi bifa milkaa'ina, bu'aqabeessa, iftoomina, ittigaafatamumaa akkasumas amanamaa ta'een kan kennamu ta'uu; viii) bu'aan tajaajila kennamuu ittifufaa, tilmaamaafi al-loogessa ta'uu fa'a.

Zakout[110] fa'as qorannoo garee baankii addunyaa (World Bank Group) waliin atoomuun gaggeessan keessatti haalota bulchiinsa lafaa gaariif murteessoo ta'an ibsaniiru. Akka qorannichaatti: milkaa'insi (efficiency), bu'a qabeessummaan (effectiveness), iftoominni (transparency), ittifufaa ta'uun (consistency) tilmaamamummaa (predictability), amanamummaa (integrity), ittigaafatamummaa (accountability), of-danda'uu (autonomy), eegumsaafi ol'aantummaa seeraa (legal security and rule of law), hirmaachisummaan hawaasaa (public participation) bulchiinsa lafaaf haalota murteessoo ta'uun ibsameera.

Walumaagalatti, kanneen amaloota bulchiinsa lafaa gaarii tarreessanis ta'e, haalota bulchiinsa lafaa gaariif murteessoo ta'an ibsan karaa adda addaan yoo ibsanis bulchiinsa lafaa gaariif akka qajeeltootti kan fudhatamanii dha. Zakout fa'a wabeeffachuunKeith Clifford Bell[111] akka

[109] FAO, Good Governance in Land Tenure and Administration. Rome, 2007 www. usp.ac. fj/ fileadmin /files/ faculties/islandsllandmgmt/docs/LandSeminar2008/ FAO_LandTenure_ Studies _09_ Good_ Governance _in_ Land_Tenure_and_Administration.pdf
[110] Zakaout, Olitti yaadannoo lak. 107.
[111] Keith Clifford Bell, Good Governance in Land Administration (FIG Working Week Hong Kong, China SAR, 2007), F9.

barreessetti, haalota bulchiinsa lafaa gaariif murteessoo ta'an olitti ibsaman gabaabsuun qajeeltowwan bulchiinsa lafaa gaarii saddet teechiseera. Qajeeltowwan kunniinis:

**1) Si'oomina (efficiency)**:- qajeeltoon kun adeemsi galmeessa, dabarsaafi kkf lafaa kaffaltii hin malleef (informal payment) carraa kan hin banne ta'uu akka qabu ibsa. Carraa kaffaltii hin malleef saaxilamuu hambisuuf adeemsi galmeessa lafaa akka gabaabbatutu barbaadama.

**2) Bu'a qabeessummaan (effectiveness)**:- bu'a qabeessummaan bulchiinsa lafaa gahumsa oguummaa, bajatni gahaa, akkasumas haalli siyaas-diinagdee biyyaa kan akka kutannoo siyaasaa, ol'aantummaa seeraa kabachiisuu, sirni to'annoo cimaafi tasgabbiin siyaasaa jiraachuu irratti hundaa'a. Qajeeltoon kunis bulchiinsa lafaa keessatti kanneen ibsaman kun jiraachuu kan madaalu ta'a jechuu dha.

**3) Iftoomina (Transparency), ittifufaa (consistency)fi tilmaamamummaa (predictability):-** qajeeltoon kun haalli filannoo hojjetootaa, tajaajilliifi gatiin tajaajilaaf kaffalamu istaandardii qabaachuu akka qabu ibsa. Kanaanis milkaa'insa, haqummaa, ittigaafatamummaa mirkaneessuun hawwasni dhaabbilee bulchiinsa lafaa iratti amantaa akka qabaatu taasisa.

**4) Amanamummaa (Integrity)fi Ittigaafatamummaa (accountability):-** ittigaafatamummaan bulchiinsa lafaa tajaajila walfakkaataa, dambiin naamusa hojjetootaa sirreessuuf gargaaru; akasumas akkaataa ittigaafatammummaa itti mirkanaa'u adeemsi ifaan jiraachuun ittigaafatamummaafi amanamummaa bulchiinsa lafaa ni dabala. Qajeeltoon kunis sirni akkasii diriiree jiraachuu isaa madaala.

**5) Of-danda'uu (autonomy):-** bulchiinsi lafaa gara gadiitti buusuun akka walaba ta'ee bulchu gochaa akka biyyaatti ammoo qaama to'atu akka jiraatu gochuun tajaajilli bulchiinsi lafaa kennu akka dabaluu kan godhu yoo ta'u; malaammaltummaan dhimmicha irratti jiru akka hir'atus ni gargaara waan ta'eef barbaachisaa dha.

6**) Hirmaachisummaa dhaabbilee hawaasummaafi hawaasaa (Civic engagement and public participation)**:- bulchii lafaa fedhii tajaajilamtootaaf dafee deebii kennuuf, odeeffannoon dhimma lafaa fooyya'aa, fedhiifi itti quufinsa tajaajilamtootaa sakatta'aa deemuun barbaachisaa dha. Kana fooyyesuufis sarara odeeffannoon itti kennamu diriirsuu amala badaafi malaammaltummaa mana hojichaa keessaa sakatta'aa deemuu barbaachisa.

**7) Haqummaa (Equity), sirrummaa (fairness)fi al-loogummaa (impartiality)**:- qajeeltoon kun namni hunduu ilaalcha siyaasaa akkasumas haalli qabeenya isaa yaada keessa osoo hin galiin tajaajila walqixaa argachuu akka qabu tuma. Bulchiinsa lafaa keessatti namni tajaajila barbaadu akkuma dhufaatii isaatti tajaajilamuu akka qabu ibsa. hundi ija tokkoon ilaalalamee tajaajila barbaacha dhufe argachuu qaba jechuu dha.

**8) Eegumsa seeraafi ol'aantummaa seeraa (Legal security and rule of law):-** Bulcihinsi lafaa gaariin bu'uura seera dhaabbataafi yaa'insa gaarii qabu; mana murtii walabaa kan ol'aantummaa seera mirkaneessuufi mirga qabiyyee fi qaabeenya lafaan walqabatee jiruuf eegumsa godhu barbaada.

Gama biraatiin *Klaus Deininger*[112]fa'a bulchiinsi lafaa akkamiin akka madaalamu ibsaniiru. Deininger fa'a wantoota ittiin madaalan garee gurguddaa shanitti qooduun argarsiiftuwwan madaallii isaanii akka gadiitti teechisaniiru. Biyyotni adda addaas akkataa sanaan bulchiinsi lafaa isaanii maal akka fakkaatu madaaluu kan danda'an ta'uu isaati. Gareewwan gurguddaa (broad thematic areas) shanan agarsiiftuuwwan 21fi kallattiiwwan madaalli gara 80 ta'an qabu. Gareewwan gurguddoon kunis:

### 2.3.3. Godayyaawwan Bu'uura Seeraafi Dhaabbataa(Legal and Institutional Framework)

Agarsiisftuun kun seerotniifi dhaabbileen saxaxamanii jiran a) hagam mirgoota lafaaf beekamtii kennanii (recognized) akka jiran;[113] b) mirgootni kunniin hagam galmaa'aniifi raawwatamaa akka jiran;[114] c) tooftaalee mirgootni lafaan walqabanii jiran itti beekamtii argatan maal akka fakkaatan;[115] d) istaaandariiwwan dhorkaa mirga lafaa (restrictions on land right) maal aka

[112] Klaus Deininger *et al.*, The Land Governance Assessment Framework: Identifying and Monitoring Good Practice in the Land Sector (World Bank, 2012).

[113] According to Klaus Deininger et al., Land Governance Indicator (LGI-1) under this measures; *Recognition of a continuum of rights.* The law recognizes a range of rights held by individuals as well as groups (including secondary rights as well as rights held by minorities and women).

[114]According to Klaus Deininger et al., Land Governance Indicator (LGI-2) measures; *Enforcement of rights.* The rights recognized by law are enforced (including secondary rights as well as rights of minorities and women).

[115] According to Klaus Deininger et al., Land Governance Indicator (LGI-3) measures; *Mechanisms for recognition of rights.* The formal definition and assignment of rights, and process of recording of rights, accords with actual practice or, where it does not, provides affordable avenues for establishing such consistency in a nondiscriminatory manner.

ta'e;[116] e) dhaabbileen dhimma lafaa irratti hojjetan aangoo ifaa qabaachuu;[117] f) adeemsa murtii dhimma lafaa irratti kennuu irrati haq-qixxummaafi al-loogummaan raawwachuu;[118] fa'a xiinxaluun bulchiinsi lafaa gaariin jiraachuu madaalu. Garee guddaa kana jalatti bifa waliigalaan haguuggiin seeraa mirga lafaan walqabatee jiru, raawwiifi akkaataa raawwii isaatu ilaalama.

Akkaataa agarsiiftuu kanaatiin, Garee kana jalatti gaarummaan bulchiinsa lafaa kan ittiin madaalamu, seerotni lafaa biyyi/naannoon sun qabdu, mirgoota lafaa hawaasni baadiyaa akkaataa adaatiin qaban seeraan mirkanaa'uu isaa; hawaasni gareen baadiyyaa keessatti jiraatu lafa isaa gareen haalli itti fayyadamuu danda'u seeraan ifatti haguugamuufi akkaataa gareen sun dhimma isaanii irratti bakka buufaman tumamuu; carraa seerri akkaataa qabiyyee lafaa gareen karaa aadaatiin qabamee jiru guutummaatti yookiin gariin gara dhuunfaatti jijjiiramuuf adeemsi ifaa, gatii madalawaaniifi seeraan eegumsi taasifamee jiraachuu fa'a.[119]

#### 2.3.3.1. Karoora IttiFayyadamaa, Bulchiinsaafi Taaksii Lafaa (Land Use Planning, Management, and Taxation)

Yaadni agarsiiftuu kanaa, a) dhorkaan ittifayyadama lafaa sababawaafi fedhii hawaasa bal'aaf ta'uu; b) dhorkawwan jiran irratti haalli addaa yoo jiraate eeyyamni karaa iftoomina qabuun jriaachuu; c) adeemsi karoora itti fayyadama lafaa bu'aqabeessa ta'uufi; e) taaksiin lafaafi qabeenya riilisteetii (real estate) irratti buufamu karaa iftoominaa qabuun kan muramu ta'uufi sirnaan kan walitti qabamu ta'uu madaala.

#### 2.3.3.2. Bulchiinsa Lafa Hawaasaa (Management of Public Land)

Bulchiinsi lafa waloo kun, a) qabiyyeen lafa waloo sabawaafi karaa iftoomina qabuun kan bulu ta'uu; b) adeemsi lafa faayidaa ummataatiif fudhachuu dhuguma faayidaa hawaasa bal'aatiif kara ifa, iftoomina qabu, haqa qabeessa ta'een beenyaa kaffaluun kan raawwatamu ta'uu madaala.

---

[116] According to Klaus Deininger et al., Land Governance Indicator (LGI-4) measures *Restrictions on rights.* Land rights are not conditional on adherence to unrealistic standards.

[117] According to Klaus Deininger et al., Land Governance Indicator (LGI-5) measures *Clarity of institutional mandates.* Institutional mandates concerning the regulation and management of the land sector are clearly defined, duplication of responsibilities is avoided, and information is shared as needed.

[118] According to Klaus Deininger et al., Land Governance Indicator (LGI-5) measures *Equity and nondiscrimination in the decision-making process.* Policies are formulated through a legitimate decision-making process that draws on inputs from all concerned. The legal framework is nondiscriminatory, and institutions to enforce property rights are equally accessible to all.

[119] Klaus Deininger *et al*., Olitti yaadannoo lak. 112, F 40.

#### 2.3.3.3. Sirna Odeeffannoo Dhimma Lafaa (Public Provision of Land Information)

Agarsiiftuun kanaan walqabatu a) sirni odeeffannoo dhimma lafaa waa’ee abbaa qabiyyummaa lafichaa odeeffannoo gahaa, sirriifi wayitaawaa hawaasa bal’aaf kan kennu ta’uu; b) Tajaajilli dhimma lafaa dhaqqabamaa, gatii madaalawaan kan kennamuufi ittifufaa ta’uu madaala.

#### 2.3.3.4. Waldiddaa Hiikuu (Dispute Resolution and Conflict Management)

Agarsiiftuun kun biyyi tooftaa hiikkaa waldiddaa lafaa gatii madaalawaan, iftoomina qabu, loogii malee furu qabaachuu; b) tooftaan hiikka waldiddaa kun kan hojjetuufi sirriitti ittiin hojjetamaa jiru ta’uu madaala.Ardii Afrikaa  keessatti lafti qabeenya guddaafi jiruun hawaasaa irratti bu’uureffamuu dha. Kanaafuu dhimmi lafaan walqabatu xiyyeeffannoo barbaada. Afrikaan rakkoo bulchiinsa gaarii akka waliigalaafi rakkoo bulchiinsa gaarii lafaa irraa ka’uun waldiddaan lafaafi qabeenya uumamaa irratti bal’inaan ka’a.[120] Rakkoowwan bulchiinsa lafaa gaarii kun gama hanqina hiikkaa waldiddaa lafaatiinis ni mul’ata.[121] Mootummaaleen biyyoota Afrikaa hedduun sirna hiikkaa waldiddaa hawaasa biratti baratame dhiisuun kan ammayyaatti waan fiiganiif sirni hiikaa waldiddaa lafaa isaanii bu’aqabeessaa akka hin taane ogubarruwwan ni ibsu. Fakkeenyaaf,  Anthony Burns fa’a akkas jedhu:

> *The government adopted quasi-judicial procedures that are very slow and, as outside the judiciary, lack the capacity for enforcement. Instead, it seems that the majority of existing disputes could easily be solved by alternative dispute resolution mechanisms, which need to be encouraged and their decisions supported by the formal system. Also needed are mechanisms to effectively resolve intercommunity disputes; especially between pastoralists and sedentary farmers, which are becoming increasingly frequent and to*

[120] Economic Commission for Africa, Addressing and Mainstreaming Land Governance in the African Peer Review Mechanism (Addis Ababa, Ethiopia, 2017).

[121] According to ECA, African countries have deficits in good land governance which includes: lack of capacity to appropriately address common governance issues such as: legal pluralism; land tenure insecurity; state sovereignty over land; land resources degradation; environmental sustainability; ***poor conflict prevention and resolution mechanisms;*** gender and inter and intra-generational inequality; centralization of land administrations; non-transparency and non-accountability, particularly when it comes to allocating large tracts of land and rights to exploit natural resources.

*provide individuals wronged by the state with effective ways to seek quick and effective redress.*[122]

Dhaabbata Gamtoomaniitti komishiniin Dhimma Diinagdee Afrikaa gama isaatiin, "*Land dispute mechanisms put in place are quasi judicial and take a long time, exclude the poor and tend not to address community to community problems. There is need to give support to traditional dispute resolution mechanisms*[123]"jechuun barbaachisummaa jiraachuu hiikkaa waldiddaa karaa aadaanii akeeka. Babette Wehrmann waa'ee hiikkaa waldiddaa lafaafi karaa kamiin yoo hiikame gaarii ta'a kan jedhu akka armaan gadiitti teechisa.

*Customary conflict resolution is therefore especially appropriate for dealing with these land disputes, as long as the conflicts are within its jurisdiction. Customary conflict resolution is a form of arbitration with a strong conciliatory character. This makes it different from litigation as well as from alternative dispute resolution (ADR). In other words, it includes elements of both: There is both a binding third party decision at the end as in litigation and there is a strong focus on the re-establishment of harmony as in consensual approaches of conflict resolution. As opposed to modern arbitration, the arbitrator in these cases cannot be chosen but is defined by his position.*[124]

Gama biraatiin, Dhaabbata Gamtoomaniitti komishiniin Dhimma Diinagdee Afrikaa Itoophiyaa dabalatee biyyoota Afrikaa 16 keessatti sirna hiikkaa waldiddaa lafaa dabalatee dhimmota adda addaa kan sakatta'iinsa gaggeesseen Rwaandaan sirna hiikkaa waldiddaa lafaa gaarii akka qabu ibseera.[125] Sirni isheen itti jajamte kunis inistitiyuushinii karaa adaatiin dhimmoota furu hunddeeffattee qabaachuu isheetiinidha.

### 2.3.4. Caaseffamaa fi Aangoo Dhaabbillee Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafaa

#### 2.3.4.1. Caaaseffama

Hog-barruuwwan dhimma bulchiinsa lafaa gaarii irartti barreeffaman caaseffamni dhaabbilee bulchiinsa lafaa gadi-bu'uu (decentralize) ta'uun murteessaa ta'uu ibsu. Fakkeenyaaf,

---

[122] Klaus Deininger, Olitti yaadannoo lak. 112, F90.
[123] Economic Commission for Africa, Olitti yaadannoo lak. 120.
[124] Babette Wehrmann, Land Conflicts, A Practical Guide to Dealing with Land Disputes (supported by GIZ, 2008).
[125] Economic Commission for Africa, Olitti yaadannoo lak. 120.

Williamson[126] waa'ee bulchiinsa dhaabbatummaa qaamolee lafa irratti hojjetanii yoo ibsu, bulchiinsa isaa gad-buusuun bulchiinsicha bu'aqabeessa akka taasisu ibsa. Kombe fi Kreibich yaaduma kana deeggaruun lafa misoomsuuf bulchiinsa isaa gad-buusuun murteessaa akka ta'e ibsu.[127] Tony Burn, expertiin beekamaa bulchiinsa lafaas tooftaa fi barbaachisumma bulchiinsa lafaa gad-buusuu irratti waliigala.[128] John fa'aatis, bulchiinsa lafaa gadi-busuun bu'a qabeessaafi immaammatoota akkasumas seerota lafaa hojiirra oolchuuf mijataa akka ta'e ibsu.[129] Schneider ammoo bulchiinsa lafaa gadi-buusuun hawaasni garjallaa (local people) murtii dhimma lafaa irratti kennamu keessatti hirmaannaa akka taasisu kan gargaaru waan ta'eef bulchiinsa lafaa gad-buusuun barbaachisaa ta'uu; akkasumas lafa haala hin taaneen bulchuu kan hir'isu ta'uu ibsa.[130] Kun kan nutti agarsiisu, bulchiisi lafaa milkaa'aafi bu'aqabeessa kan ta'u, adeemsi imaammata lafaafi raawwii qaamolee gara gadiitiif yoo kennamee ta'uu isaati. Kana irraa ka'uun dhaabbileen idil-addunyaa biyyoota (keessattuu biyyootni guddata jiran) bulchiinsa lafaa gadi-buusan (decentralize) godhan deeggaruurratti fuullefaataa jiru.[131]

Gara biyya keenyaattis yoo deebinu yaada bulchiinsa lafaa gadi-buusuu (decentralize) gochuu kana kan deeggaru ta'uu tumaalee heera mootummaa irraa ni hubatama. Heerichi mootummaan federaalaa seera baasuuf yoo aangeffamu; naannooleen ammoo bulchiinsa isaa irratti aangeffamaniiru. Haaluma kanaanis hanqinootni bulchinsa isaa keessatti jiran akkauma jiranitti ta'ee caaseffama isaa yoo ilaallu bulchiinsi lafaa akka federaalaatti sadarkaa ministeeraatti kan jiru yoo ta'u; naannoo irratti ammoo biiroo irraa hanga gandaatti caasaan bulchiinsa lafaa diriiree jira.

Sadarkaa giddu-galeessaatti, bilchiinsi lafaa xiqqaa fi qabeenyaa guutamuu qabuun kan guutame mit. Innis, Daarektoreetii tokkoon Minsteera Qaonnaa fi Qabeenya umamaa jalatti hanga

---

[126]Williamson, I., Re-engineering Land Administration Systems for Sustainable Development - from rhetoric to reality, (2001).
[127] Kombe, W.J., & Kreibich,V., Infromal Land Management in Tanzania (Sring Research Series, Vol 29. Dortund: Spring Cetre 2000).
[128] Tony Burns, Land Administration Reform: Indicators of Success and Future Challenges (Agriculture and Rural Development Discussion Paper 37, 2007).
[129] John, B. W., & Anna, K., Structures and Stratagems: Making Decentralization of Authority over Land in Africa Cost-effective, (*World Development , 2009, 37* (8)), FF1360-1369.
[130] Schneider, A., Decentralization: Conceptualization and Measurement (*Studies in Comparative International Development ,2003) 38*, FF.32-56.
[131] Burns, T., & Dalrymple, K., Conceptual Framework for Governance in Land Administration (*FIG Working Week,* Stockhalm, Sweeden, 2008) .

ammatti Maqaa “Daarektoreetii Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Lafaa”jedhamee yeroo hundeeffamutti (bara 2001) taa’ee ture. Haa ta’u malee, isaa as caasaan kun bakkuma jirutti humna namaa fi meeshaalee adda addaatiin guutame bifa seeronni lafaa sadarkaa isaaanii eeggatanii deemuu danda’aniin naannolees deeggaruun hojjetaa jira

Naannoleen jaha: Amaaraa, Oromiya, Ummattoota Naannoo Kibbaa fi Tigiraayi, yeroo dhihoo as ammoo Naannoon Gaambeellaa fi Beeniishaangul seerota bulchiinsa lafaa hojiirra oolchuuf Biiroo/Waajjira bulchiinsaa fi itti fayyadama lafaa hundeessanii jiru. Biiroleen/Waajjiraaleen kunneen jijjiirama adda addaa taasisanii jiru. Kaan isaanii yeroo jalqabanitti Biiroo qonnaa jalatti, booda irratti ammoo qophaa isaanii of-danda’anii Biiroo mataa isaanii hundeeffataniiru. Fakeenyaaf, naannoon Oromiyaa fi Amaaraa Biroo Qonnaa irraa adda bahanii jiru. Oromiyaan caasaa seektara lafaa kana fooyyessuu fi caasaan bulchiinsa lafaa baadiyyaa fi magaalaa bakka tokkotti akka gurmaa’u taasisuun hojiirra oolchee jira.  Naannoleen kanneen biroon hanga ammaatti seektara qonnaa adda baasii kan hin gurmoofnellee ni jiru.


Mootummaan Naannoo Oromiyaas sirni bulchiisaa fi ittifayyadamaa lafa baadiyyaa akka hammayyaa’u taasisuuf lafaa fi mirga itti fayyadama lafa tiksuun akka lafti dhalootaa dhalootatti dabarbu taasisuuf, yeroo yeroodhaan gurmaa’insa isaa foyyeessaa tureera. Gurmaa’iinsi caasaa bulchiinsaa fi ittifayyadama lafaa Naannoo Oromiyaas yeroo garaagaraa jijjiiramaa dhufus bu’aa quubsaa kan argamsiise miti.

Jijjiiramuun caasaa lafaa kun gurmaa’iinsi cimaan akka hin jiraannee fi bulchiinsi lafaa ammayyaa akka hin diriirffamnne taasiee jira. Caasaa Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Lafaa Naannoon Oromiyaa kana ilaalchisee, Lafti baadiyyaa bara 2000 dura Biiroo Qonnaa fi Qabeenya Uummaa jalatti akka damee tokkootti bulaa akka ture ni beekama. Haa ta’u malee labsii qaamoole hojii raawwachiftuu gurmeessuuf bahe labsii lakk.147/2001tiin Biiroon  Lafaa fi Eegumsa Naannoo yeroo hundaa’u lafti magaalaas lafti baadiyyaas bakka tokkotti hoganamaa turee jira. Labsii, aangoo fi gahee hojii qaamolee raawwachiftu mootumma naannoo Oromiyaa labsii lakk.163/2003tiin yeroo irra deebiin hundeeffamus  aangoo fi gaheen hojii labsii duraan kenname qabatee akkuma iti fufu taasifame. Haa ta’u malee, bara 2005 keessa labsii lakk.179/2005tiin  lafti magaalaa of-danda’ee akka hundaa’u waan murtaa’eef, labsii qaamolee hojii raawwachiftuu lakk.163/2003 foyyeessuuf bahee labsii Lakk.170/2004tiin  Biiroo Lafa

Baadiyyaa fi Eegumsa Naannoo jedhamee akka irra deebiin gurmaa'u ta'e. Kana malees, Eegumsi Naannoo of-danda'ee akka Abban Taayita Eegumsa Naannoo, Bosonaa fi Jijjiraama Qilleensaa ta'uu fi laftii baadiyyaas of-danda'ee Biiroo Bulchiinsaa fi Ittifayadamaa Lafa Baadiyyaa jedhamee labsii qaamolee hojii raawwachiftuu MNO labsii lakk.199/2008tin gurmaa'iinsi isaa waan murtaa'eef Biiroon Bulchinsaa fi Ittifayyadama Lafa Baadiyyaas of-danda'ee akka gurmaa'u ta'eera.


Qorannoo gurmaa'iinsa haarawaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa qorachiseen labsii qaamolee hojii raawwachiftu lakk.199/2008 irra deebiin foyeessuuf bahe labsii lakk.213/2011tiin Biiroon Bulchinsaa fi Itti fayadama Lafaa Oromiyaa akka haarawaatti irra deebiin akka hundaa'u ta'ee jira. Akkaataa caaseffamaa labsii kanaan lafti magaalaa fi baadiyyaa sadarkaa naannootti bakka tokkotti kan hoogganamu yoo ta'uu, caasaaleen sadarkaa sadarkaan jiranis akkaataa tajaajila hawaasichaaf kennuun danda'aanin gubbaa hanga gaditti bulchiinsi lafa baadiyyaas kana keessaatti of-danda'ee diriiree jira.

## A.Gurma'insa Haaraa Bulchiinsa fi Ittifayyadama Lafa Baadiya Sadarkaa Biiroo





35

## B.Gurma'insa Haaraa Waajjira Bulchiinsa fi Ittifayyadama Lafa Baadiya Godinaa




36

C..Gurma'insa Haaraa Waajjira Bulchiinsa fi Ittifayyadama Lafa Baadiya Aanaalee




37

#### 2.3.4.2. Aangoo fi Gahee Hojii

Qaamolee mootummaa sadan keessa tokkoo qaama hojii raawwachiiftu dha. Mootumman naannoo Oromiyaafedhiifi faayidaa uummata naannichaa mirkaneessuuf gahumsaafi bu'a qabeesummaa qaamolee raawwachiiftuu qoratee irradeebiidhaan akka gurma'aan taasisaa dhufee jira. Akkuma hubatamuu, mannii hojii tokkoo yeroo hundeeffamuu hojiiwwaan hojjechuuf dhaabbate qaba. Haaluma kanaan, Biiroon Bulchinsaa fi Ittifayyadama Oromiyaa caasaalee isaa sadarka sadarkaan jiraanifis hojiin seeraankennameeraafi. Kunis, Kenniinsi tajaajilaa si'oomina, saffina, qulqullina qabuufi dhaqqabamaa ta'e diriirsuun itti quufinsaafi amantaaummanni mootummaa irratti qabu dabaluun rakkoo bulchinsaa fi ittifayyadama lafaa naannoo Oromiyaa jiru furuun barbaachisaa waan ta'eef caaseffamni haarawaan dirire.

Akkuma armaan olitti ibsame, bu'uura labsii qaamolee hojii raawwachiftuu irra deebiin gurmeessuuf baheen yeroo ammaa akka naannootti lafti magaalas ta'e,kan baadiyyaa bakka tokkotti bulaa jira. Haata'u malee,qorannoo kanaan kan irratti xiyyeeffatamee hojii Bulchiinsaa fi Ittifayaadama lafa baadiyyaa irratti waanta'eef,aangoofi gahee caasaalee lafa baadiyyaa bulchan irratti xiyyeeffatameera.

Aangoo fi gaheen hojii Biirichaafi caasaa isaa sadarka sadarkaan jiran (Waajjira Bulchiinsaafi Ittifayyadamaa Lafa Godinaa fi Aanaa) ilaalchisee Labsii Qamoolee Hojii Raawwachiftuu lak.213/2011 kwt. 26 tti jalatti tarreeffameera. Labsichi dameewwan manneen hojii ilaalchisees *"……Manneen hojii ibsaman akkaataa akaakuufi bal'ina hojii isaaniitiin sadarkaa Godinaa, Aanaa, Magaalaa yookiin Gandaatti gulantaa bulchiinsaa lama yookiin lamaaol walitti butuudhaan yookiin gulantaa Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa hundatti damee qabaachuu ni danda'u"*[132]jedha.Dameewwan manneen hojii kunniin angoofi hojii mana hojii sadarkaa naannootti kenname akka raawwachiisan labsichi tumeera.[133]

Waaan kana ta'eef, bu'uuruma labsii kanaatiin, aangoofi gaheen Biiroo bulchinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa Oromiyaatiif kenname caasaaleen Biirichaa sadarka sadarkaan jiran ni raawwaatu waan ta'eef, aangoofi gahee hojii addatti kennameef hin qaban jechuudha.

Haata'u malee, Biiroon hojiiwwaan gurguddoo raawwatamaan kanneen akka hojii hubannoo uumuu, hordoffiifi deeggarsaa taasisuu, maanuwalii, istandardii fi qajeelfamoota hojii keessatti

---

[132] Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak. 213/2011, Kew.66(1).
[133] Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak. 213/2011, Kew.66(3).

barbaachisuu baasun caasaan sadarka sadarkaan jiran hojii isaanii karaa iftoominaa fi ittigafaatamummaa qabuun akka raawwatan gumaachaa ni taasisa.Kanaafuu, hojiiwwan bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaan walqabatan hedduun isaanii kan raawwataman caasaalee godinaa,aanaafi gandaatini dha.

Labsiin Lak. 213/2011 aangoofi gahee hojii Biiroo Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa keewwattoota xixiqqaa lakkoofsaan 36 ta'aniin kan tarreesse yommuu ta'u, kanneen armaan gadii warreen muraasa[134]:

1. *Lafa naannichaa ni bulcha; qabiinsa ragaa lafaa hammayyaawaa ta'e akka jiraatu ni hojjata; hojii kaadaastaraa ni raawwata; qabiyyee lafaa ni galmeessa; ni qaawwisa; kaartaa abbaa qabiyyee lafaa ni kenna;*
2. *Qorannoo itti fayyadama lafaa ni gaggeessa; akka gaggeeffamu ni taasisa; karoora itti fayyadama lafaa ni qopheessa; yammuu mirkanaa'u qaama itti fayyadamuuf dabarsee ni kenna; hojiirra oolmaa isaa qaama dhimmi ilaallatu waliin ni to'ata; deeggarsa ni kenna;*
3. *Lafa hojii misooma albuudaaf oolu qaama biraatiin kan hin qabamne yookiin tajaajila biraatiif oolaa kan hin jirre ta'uu isaa qulqulleessuufi daangessuun qaama dhimmi ilaallatuuf ragaa ni dabarsa; qaama hayyama hojii misooma albuudaa qabuuf waraqaa ragaa mirga itti fayyadamaa ni kenna; kunuunfamuu isaa ni hordofa; yammuu misoomni albuudaa xumuramu hojii misooma biraaf karaa ooluu danda'uun sirreefamuu isaa mirkaneessuun baankii lafaatti ni deebisa;*
4. *Namoota dhuunfaa yookiin dhaabbileen mirgi abbaa qabiyyee lafaa kennameef mirga qabiyyee isaanii dhaalaan, kennaadhaan, kiraadhaan, waliin misoomsuu yookiin jijjiirraadhaan itti dabarsan ni mirkaneessa; jijjiirraa abbaa qabiyyee lafaa ni galmeessa;waraqaa ragaa seeraan ala kenname ni haqa;*
5. *Qabannaa lafaa seeran alaa yookiin ijaarsa seeraan alaa ni to'ata; ni hordofa; tarkaanfii ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa; qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjata;*
6. *Magaalaafi daangaa magaalotaa irratti ijaarsi seeraan alaa akka hin raawwatamne ni hojjata;qajeelfamaafi hojimaata qophaa'e hojiirra ni oolcha; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa; ni to'ata; tarkaanfii ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;*
7. *Kaffaltiin beenyaa haala gabaa yeroo irratti kan hundaa'e akka ta'u qorannoo*

[134] Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak. 213/2011 Kew.26 (1-36) kan jiru guutuu isaa dubbisuun hubachun ni danda'ama.

*gaggeessuun qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;*

8. *Shallaggii beenyaa lafa magaalaafi baadiyyaa hojii misoomaafi tajaajila adda addaatiif barbaadamu akkaataa seeraatiin qaama dhimmi ilaalu waliin ni raawwata; kaffaltiin beenyaa osoo lafa isaanii irraa hin ka'in dursee akka kaffalamuuf ni taasisa; namoota qabiyyee isaanii gadi lakkisan deebi'anii akka ofdanda'an qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjata; ni hordofa; ni to'ata;*
9. *Lafa baadiyyaa maastar pilaaniidhaan gara magaalaatti daangeffame ragaa barbaachisaa ta'e qopheessuun qaama dhimmi ilaallatu waliin walharkaa fuudhinsa ni raawwata;*
10. *Lafa jallisiin misoomu akka qoodamu yoo murtaa'e, itti fayyadamtootaaf ni qooda; waraqaa ragaa ni kenna;*
11. *Ragaaleefi odeeffannoo lafaa ni gurmeessa; ni kuusa; ni bulcha; sirna odeeffannoo hammayyaa ta'e ni diriirsa; akkaaataa barbaachisummaa isaatti qaamni barbaadu akka argatu ni taasisa;*
12. *Ragaa lafaafi qabeenya qabiyyee lafaa walitti ni qaba; dijitaalaafi waraqaadhaan ni galmeessa; sirna kaadastaraatiin akka qabamu ni taasisa; ni bulcha; ni misoomsa; wiirtuu odeeffannoo ragaa qabiyyee lafaa ta'ee ni tajaajila; ni qaaccessa; qaama dhimmi ilaallatuuf ni kenna;*
13. *Ragaa sirna odeeffannoo kaadaastara baadiyyaa ni qindeessa; nageenyummaa isaa ni to'ata; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; kaartaa bu'uuraafi kaartaa kaadaastaraa ni qopheessa; akka qophaa'u ni taasisa; ni bulcha; ni haaromsa;*

Dabalataan, aangoofi gaheewwan hojii Biirichaa Danbii Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Oromiyaa kwt 25 (1-18) jalatti tarreesseera. Haaluma kanaan, Biirichi:

1. *Waliigaltee lafa waljijjiiruu, kireessuu, waliin misoomsuu fi kan kana fakkaatu abbaa qabiyyee lafaa fi qaama biroo jidduutti raawwatamu ni galmeessa, ni mirkaneessa ni to'ata; gocha seeraan alaa irratti tarkaanffii sirreeffamaa ni fudhata.*
2. *Namni mirga itti fayyadama lafa baadiyaa qabu kamiyyuu seeraan ala mirgi isaa akka hin tuqamne ni hordofa, ni to'ata, tarkaanfii barbaachisaa ta'es ni fudhata.*
3. *Kaartaa qabiyyee lafa baadiyaa qopheessee itti fayyadamtootaaf ni kenna.*
4. *Lafa baadiyaa akkaataa seeraatiin namaan hin qabamin yookiin gadi dhiifamu qoratee*

*qoopheessuudhaan ragaa ni qabata, yeroo hayyamamu ittifayyadamtootaaf nikenna.*

5. *Lafa baadiyyaatiif eegumsaa fi kunuunsa barbaachisaa ta'e akka taasifamu ni to'ata, ni hordofa, miidhaa gahe qoratee tarkaanfii seeraa ni fudhata yookiin akka fudhatamu ni taasisa.*
6. *Seera bulchiinsaa fi ittifayyadama lafa baadiyaa hojii irra oolchuuf hojiiwwan dandeetii raawwachisummaa cimsan ni raawwata.*
7. *Raawwii seera bulchiinsaa fi ittfayyadama lafa baadiyaa irratti rakkoowwan qunnaman qorachuudhaan tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata, yaada furmaataa ni dhiyeessa.*
8. *Qaama dhimmi ilaalu hirmaachisuu fi deeggaruudhaan seerri bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyaa akka hojii irra oolu ni taasisa.*
9. *Ragaa gatii gabaa lafa kireeffamuu fi tilmaama bu'aa bara lafichi kireeffamu keessatti argamuu danda'u odeeffannoo nama lafa kireessuuf ni kenna.*
10. *Qabiyyee lafa baadiyaa qawwisuu, galmeessuu, waraqaa ragaa keennuu ilaalchisee raawwii seeraan alaa ni hordofa, ni to'ata, tarkaanfii seeraa ni fudhata.*
11. *Lafa Investimetneentiif ooluu danda'u qoratee qopheessuudhaan ragaa komishiinii Investimentii Oromiyaatii fi waajjiraalee isaa sadarkaa sadarkaan jiraniif ni erga. Yoo hayyamame waraqaa ragaa waliin qaama hayyamameef lafa ni kenna.*
12. *Lafa baadiyaa ilaalchisee akkaataa seera bulchiinsaa fi ittifayaadama lafa baadiyyaa keessatti tumameen ala kan raawwatan ni to'ata, ni hordofa, tarkanifii sirreeffamaa ni fudhata yookiin akka fudhatamu ni taasisa.*
13. *Lafa Mootummaa yookiin ummanni waliin ittifayyadmu kamiyyuu ni hordofa, ni to'ata, ni eega namoota seeraan ala qabatan yookiin akka qabatamu taasisan seeratti dhiyeessee tarkaanfiin seeraa akka fudhatamu ni taasisa.*

### 2.4. Muuxannoo Biyyoota Ambaa

Kutaa kana jalatti, muuxannoon biyyoota afurii: Filippiinsi, Taanzaaniyaa, Chaayinaa fi Naajeriyaakan sakatta'aman ta'a.Sakatta'insi taasifamu kunis akkaataa gaaffilee gurguddoo qorannichaa sadan(waa'ee aangoo seera lafaa baasuu, akkaataa waldiddaan lafaa itti hiikamuufi qabiinsa odeeffannoo lafaa) deebisuu danda'uuni dha.

### 2.4.1. Muuxannoo Biyya Filippiinsi

Muuxannoo biyya Filippiinsi kallattiiwwan sadiin ilaaluun ni danda'ama. Isaanis, gosoota qabiyyee, akkaataa bulchiinsaafi adeemsa falmiin itti hiikamu. Lafti biyya Filiippinsi jiru bifa lama qaba: lafa dabarfamuu fi jijjiiramuu danda'uu (alienable & disposable lands) fi bakkeewwan eegaman (protected areas) dha.[135]Lafti darbuufi jijjiiramuu danda'u nama dhuunfaan ykn mootummaan qabamee nama dhuunfaatti bittaan ykn kiraan darbuu danda'u dha.[136]Lafti kan argamu kenna mootummaan ykn kolonii booda seerota ba'aniin ta'uu danda'a. Bakkeewwan eegaman kan jedhaman lafa uummataan qabame ta'ee lafa bosonaafi albuudaa ti.[137]Nama dhuunfaan hin qabamu; gurgurtaanis hin darbu.

Biyya Filippiinsitti qabiinsi ragaa bulchiinsa lafa uummataa, aangoo bulchiinsaa dabalatee sadarkaa biyyoolessaatti hedduu kan waalta'e dha (much of administrative functions were retained at national government).[138]Kana irraan kan ka'e, odeeffannoon waa'ee abbaa qabeenyummaa lafaa, daangaa, bakka argamaa (location), itti fayyadamaafi gatii lafaa ibsu sadarkaa bulchiinsa mootummaa gajjallaa ykn gadiitti hedduu qabamee hin jiru. Kun ammoo akkaataa dabarsa lafaa ilaalchisee waliin dha'insi (frauds) akka uumamu waan taasisuuf waldiddaawwan lafaan walqabatanii ka'an hiikuun yeroo dheeraa akka fudhatuuf sababa ta'eera.[139]

Biyya Filippiinsiitti akkaataa aadaatiin walitti bu'insa hiikkachuun durumaa jalqabee kan ture ta'us booda bifa sirnaatiin diriiraa dhufe. Kun, keessattuu kutaalee bulchiinsaa Filippiinsi keessaa tokko kan taate, Barangay keessatti sirna haqaa Baarangay (Barangay Justice System) jedhamuun bara 1978'tti hojiirra ooleera. Akka seera kanaatti,falmiiwwan tokko tokko

[135]Alberto Vargas, The Philippines Country Brief: Property Rights and Land Markets, (Land Tenure Center, University of Wisconsin-Madison, Financed by U.S. Agency for International Development), F2.; Dassaaleny Biraanuu, Rural Land Disputes Resolution Mechanisms in Oromia Regional State: A Case Study of Dugda Woreda Court in Eastern Shoa Zone, F51 keessatti kan ibsame.

[136] Florادema C. Eleazar, et al, Improving Land Sector Governance in the Philippines, (Report on Implementation of Land Governance Assessment Framework which was coordinated by LETS in consultation with various stakeholders led by DENR and with support from the World Bank, 2013), F41; Dassaaleny Biraanuu, Akkuma 135[ffaa] keessatti kan ibsame

[137]Alberto Vargas, Olitti yaadannoo lak. 135[ffaa] .

[138] Florادema C. Eleazar fa'aa,Olitti yaadannoo lak. 136.

ilaalchisee, falmii lafaa dabalatee tooftaalee waldiddaan ittiin hiikaman kanneen akka walitti fiduu (mediation), araara(conciliation) fi jaarsummaa (arbitration) fayyadamuun dirqama dha.[140]

Sababni isaa, adeemsa kanaan waldiddaa hiikuun galmawwan sadan armaan gadii ni milkeessa jedhamee waan yaadameefi:

1) Sadarkuma Baarangay'tti, baasii xiqqaafi akkaataa ariifataa ta'een haqa argachuuf
2) Aadaa akkaataa nagaatiin dubbii fixachuu biyya Filippiinsi yeroo dheeraaf ture eeguufi
3) Baay'ina dhimmootaa gara manneen murtiitti dhiyaatan xiqqeessuu dha.[141]

Adeemsi akkaataa sirna kanaan waldiddaa hiikuu kan jalqabu dursa iyyata barreeffamaan ykn afaaniin bulchaa Barangayitti (Barangay chairman) dhiyeessuuni dha.[142] Bulchaan kun filatamaa uummataa ta'ee, ol'aantummaan Barangayiin bulcha. Bulchaan kun miseensota garee kaffaltii malee tajaajilan (the Lupon) uummataan filaman muuda.[143] Miseensonni kakuu kan kakataniifi qabeenya dhaabbataan walqabatee falmii ka'u kan hiikani dha. Kanaaf, adeemsi sirna Barangayiin waldiddaa hiikuu gulantaalee lama qaba.

Inni duraa, iyyata dhiyaatuuf irratti hundaa'uun tarkaanfii bulchaan walfalmitoota walitti fiduuf taasisu (the negotiating act) dha.[144] Inni biraa, araara (conciliation) miseensota sadiin (pangkat) taasifamu dha.[145]Namootni sadan kunneen walfalmitootaan kan filaman yommuu ta'u, kan filamanis namoota uummataan filamanii bulchaan muudaman (the Lupon) keessaati.[146] Filannoo isaanii ilaalchisee, walfalmitoonni waliigaluu yoo baatan, Bulchaan (Barangay Captain) isaan qajeelcha.[147] Namoonni sadan filataman kunniin walitti qabaafi barreessaa of keessaa filachuun hojii qaamolee waldhaban walitti araarsuu itti fufu. Kaayyoon isaanii jalqaba murtii kennuu osoo hin taane, qaamolee waldhaban waltaasisuu dha.[148] Dhimmoonni manneen murtiif ykn

---

[140] *Domingo P.Disini, Jr. & et al, Dispute Resolution Mechanisms in the Philippines, (Institute of Developing Economies, IDE Asian Law Series No.18, 2002), p18;* Dassaaleny Biraanuu, Olitti yaadannoo lak.135, F51 keessatti kan ibsame
[141] *Domingo P.Disini, Jr. & et al, Akkuma 140ffaa.*
[142] Dassaaleny Biraanuu,Olitti yaadannoo lak.135, F52
[143] Floradema C. Eleazar fa'a, Olitti yaadannoo lak. 136, F107
[144] Floradema C. Eleazar fa'a, Akkuma 143[ffaa], F19
[145] Floradema C. Eleazar, Akkuma 144[ffaa].
[146] Dassaaleny Biraanuu, Olitti yaadannoo lak. 135, F52
[147] Dassaaleny Biraanuu, Akkuma 146[ffaa].
[148] Alternative Dispute Resolution (ADR) Mechanisms for Land Disputes, ADR Policy, Institutions of Surveyors of Kenya, F107.

ejensiiwwaniif dhiyaachuu isaaniin dura koree miseensota sadii qabu kana biratti ilaalamuu isaanii dhiyaachuuqaba.[149]

Bu'aa hordofsiisu ilaalchisee, walfalmitoonni dhimma isaanii waliigalteen kan xumuratan yoo ta'e, wanti isaan irratti waliigalan **guyyoota 10** keessatti xumuramuun akkuma murtii mana murtiitti ilaalamuun hojiirra kan oolu ta'a.[150]Waliigaltee irra kan ga'ame fedhii maleeti qaamni jedhu yoo jiraate garuu waliigaltichi haqamuu danda'a.

### 2.4.2. Muuxannoo Biyya Taanzaniyaa

BiyyiTaanzaniyaa biyya sirnafederaalizimiin bultu miti. Garuu, Zaanzibar of dandeessee kan of bulchituu fi caaseffama mataa ishee kan qabdudha.Dhimmoota waloo ykn gamtaa biyyaa (union)warra ta'an keessatti, aangoon seera lafaa baasuu Mana Maree Bakka Bu'oota Uummataaf (parliament)kennameera.[151]Biyyi Taanzaniyaa akka biyyaatti Mana Maree tokko qofa (unicameral) qabdi. Zaanzibaar malee naannoolee 25 fi Manneen Maree Magaalotaa 40 fi aanota baadiyyaa 132 qabdi. Bulchiinsi Zaanzibar naannoo 5 fi bulchiinsa magaalotaa 4 fi aanoota baadiyyaa (rural district) 7 qabdi. Naannoon Zaanzibar jedhamtu bulchinsa of danda'e kan qabdu waan ta'eef, seerri isaan baasan dhimma waloo waan hin taaneef seera mataa isaabaafachuu ni danda'a. Kanaaf, dhimmaa waloo biyyaa irratti seera baasuun paarlamaaf kan kennamee yoo ta'u, dhimmoota waloo hin taane (non-union matters)warreen akka bulchinsa mataa ofii qaban keessatti ammoo aangoon seera baasuuMana Maree Bakka Bu'oota Uummataa bulchinsa isaaniif kennameera.[152] Dhimmi lafaa ammoo dhimma waloo waan ta'eef, aangoon seera baasuu kan paarlaamaa biyyattiidha. Abbaan qabeenyummaa lafaas kan uummata biyyattii ta'us, lammiin kamiyyuu mirga qabeenya horachuu akka qabu Heerri Mootummaa tumeera.[153]

**Seera LafaBaadiyyaa:**Seerri lafa baadiyyaa Taanzaniyaa, labsii lak.1999 (Land and the Village Land Act 1999) jedhamuun kan beekamu yoo ta'u,dhimmoota gurguddoo haala bulchiinsa lafaa, akkaataa waldiddaan lafaa ittiin hiikamu, dabarsa lafaa,gosoota lafaa fi dhimma mirga abba qabiyyummaa lafaa of keessatti hammateera. Haaluma kanaan, gosoota lafaa sadiitujira: **lafaa**

[149] Akkuma 148[ffaa]
[150] Akkuma 149[ffaa], F19.
[151] Heera Mootummaa Rippaabilika Waaltawaa Taanzaaniyaa, Kwt. 64(1): Legislative power in relation to all Union matters and also in relation to all other matters concerning mainland Tanzania is hereby vested in Parliament.
[152] Heera Mootummaa Rippaabilika Waaltawaa Taanzaaniyaa, Kwt. 64(2): Legislative power in Tanzania Zanzibar over all matter which are not union matters is hereby vested in the house of representatives.
[153] Heera Mootummaa Rippaabilika Waloo Taanzaaniyaa, Kwt.24(1)

**waliigalaa(General land)**, lafa mandaraa gandaa baadiyyaa (**Village land)** fi lafaa qophaatti kaa'ame ykn adda bahee (**Reserved land**) jedhama.[154]

Lafa waliigalaa kan jedhamu lafa mandara baadiyyaa kan hin taane kan eenyuunuu hin qabamne ykn lafa uummataa kan kamiinuu hin qabamne jechuu dha.[155] Lafa mandaraa (village land) kan jedhamu lafa daangaa ganda baadiyyaa sana jalatti galmaaa'ee beekamu hunda jechuu dha (land within the boundaries of a village registered in accordance with the provisions of section 22 of the Local Government (District Authorities).[156] Lafti qophaatti kaa'ame ykn adda bahe kan jedhamu lafaa paarkiiwwanii, lafa kunuunsa bosonaaf oolu, lafa haroowwan marsanii jiran, lafa kunuunsa qabeenya uumaamaaf adda bahan, lafa daandiiwwanii, lafaa magaalotaan qabamaan, lafa bakka bashannanaa adda addaaf oolu kan dabalatuudha.[157]


Akkaa seera lafa Taanzaniyaatti, lafti hundi kan uummataati (all land in Tanzania is public land vested in the President as trustee on behalf of all citizens).[158] Pirezidaantiin biyyattii faayidaa olaanaa uummataaf barbaadama jedhee yoo murteesse lafa kamuu qaama itti fayyadamu irraa fuudhuu ni danda'a. Lafa faayidaa olaanaa uummataatiif ykn tajaajila hawaasaa adda addaatiif oolu kanaafis beenyaan gahaan akka kaffalamu tumamee jira.[159]

Lafti hunduu kan uummataati jedhamee tumamus, lammiin Taanzaniyaa kamuu akkaataa seeraatiin lafa qabachuu (land occupation) akka danda'u mirga kenneefii jira. Kunis karaa seera qabeessa ta'een qabachuu fi mala aadaatin qabachuu (customary occupation) kan hammatudha. Mirga yeroo, yeroon irraa fayyadamuu (Every person lawfully occupying land, whether under a right of occupancy, wherever that right of occupancy was granted, or deemed to have been granted, or under customary tenure, occupies and has always occupied that land, the occupation of such land shall be deemed to be property and include the use of land from time to time for depasturing stock under customary tenure)."Akka seera lafaa kanaatti turtiin itti fayyadama lafaa baadiyyaa isaanii yeroon kan daanga'edha innis waggaa sagaltamii sagal (99) fidha.

Waldiddaa fi walitti bu'insa lafaa ilaalchisee murtee dirqisisaa fi isa dhumaa kan kennu mana murtii ol'iyyannoo (appellate court) kan jedhamudha. Haata'u malee, waldiddaan lafaa kan

[154] Seera Lafaa Taanzaaniyaa Lak 4/ 1999, Kutaa III, Kwt.4(4).
[155] Seera Lafaa Taanzaniyaa Lak.4/1999, FF24-5
[156] Seera Lafaa Taanzaaniyaa Lak. 7/ 1982, F40
[157] Seera Lafaa Taanzaniyaa Lak. 7/1982, Kutaa III, Kwt.6
[158] Seera Lafaa Taanzaaniyaa Lak.4/1999, Kutaa II, Kwt. 3(a).
[159] Seera Lafaa Taanzaniyaa Lak.4/1999, Kwt. 3(g)

jalqabamu Mana Maree Gandaa Baadiyyaa (Village Land Councils) murtee achitti kennamu irratti namni komii qabu gara “Ward Tribunals” tti geeffata. Murtii kana irrattis, namni komii qabu gara “District Land and Housing Tribunals” tti fudhata. kan irraas kan komii qabu gara “the Land Division of the High Court established in accordance with law for time being in force for establishing courts divisions”tti kan oliyyatu yoo ta’u, murtee kana irrattis kan komii qabu gara “Court of Appeal” tti fudhatee murtiin mana murtii kanaan kennamu isa dhumaa ta’a.  Hojmaata kana keessattis, hirmannaan dubartootaa dhimmota waldiddaa lafaa hiikuu fi safarrii lafaa gaggeessuu keessatti % 40 gadi akka hin taanee murtaa’ee jira.[160] Haala kanaan, adeemsaa fi duraa duuba falmii dhimma lafaa yoo ilaallu, gabaabinaan caasaa armaan gadii kana fakkaata:




Kanaaf, kana irraa ka’uun yeroo ilaallu akkuma biyya keenyaa waldiddaan lafaa akka gandaa ka’uu kan akeeku yoo ta’u, caaseffamni isaanifi kan keenya gargar ta’uu isaa hubachuun ni danda’ama.

Biyyi Taanzaaniyaa caasaa mana murtii malee mana murtii bulchinsaa  falmii lafaa ilaalu kanneen “Ward Tribunals” fi “District Land and Housing Tribunals” jedhaman qabdi. Haata’u

[160] Mustapha Issa, An Innovative, Affordable, And Decentralized Model For Land Registration And Administration A National Scale In Tanzania, The World Bank - Washington D.C., March 25-29, 2019

malee, namni murtii kana irratti komii qabu oliyyannoodhaan mana murtiitti dhimmicha geeffachuu akka danda'uu fi murtii manni murtii kennuu isa xumuraa akka ta'e kaa'amee jira.[161]

Qabiinsaa fi galmeessa lafaa ilaalchisee, qaama mirga fayyadama lafaa argateef lafti isaa safaramee waraqaan ragaa ni kennamaafi. Kunis karaa mana maree gandaa mandaraa baadiyyaa (village council) mirkanaa'ee kan kennamuuf ta'a.Lafa baadiyyaa lafa waliigalaa irraa gara lafaa mandara baadiyyaatti jijjiiruun ni danda'ama.Akka biyya sanaatti, seerri lafa galmeessuu qobaatti of danda'ee bahee kan jiru yoo ta'u, innis seera galmeessa lafaa (Land Registration ActCap.334) jedhamee wamaama.Akkaataa seera kanaatti galmeessi lafaa dhimmoota gurguddoo sadii kan of keessaa qabudha. Kunisibsa waliigalaa unkoota adda addaa, maqaa abba qabiyyee fi dirqamoota waliigalaa kan of keessaa qabudha.[162]Lafti al-takka galmaaye yeroo jijjiirraan adda addaa jiraatu yeroo gara yerootti irraa deebiin ni galmeeffama.


Abbaan qabiyyee yeroo qabiyyeen isaa galmaa'uuf waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa ni kennamaaf (The owner of an estate in any parcel shall be entitled to receive a certificate of title under the seal of the certificate land registry).[163]Nammi waraqaa ragaa argate waraqaa isaa seeraan qabachuu qaba. Haata'u malee, sababa adda addaatiin yoo jalaa bade ykn balaan akka gubatuuf barbadaa'u yoo ta'e, jalaa baduu isaa baasii isaatiin qaama aangoo qabuun gaazexaa naannoo sanitti beekkamu irratti beeksisni akka bahu erga ta'ee booda, waraqaa ragaan biroo akka bakka bu'uuf ni taasifama.[164]Waraqaan ragaa abbaa qabiyyeetiif laatamu eessattuu ragaa fudhatama qabudha.[165] Namni lafti isaa galmaa'eef lafa isaa qabsiiseemaallaqa liqeeffachuu ni danda'a. Qaamni lafa galmeessuu aangoo guddaa kan kennameef yoo ta'u, murtee inni kennee irratti namiin komii qabuu mana murtii ol'anaa irratti komii isaa akka dhiyeeffatu ta'a.

Lafti kan safaramu haala dijitaala ta'een yoo ta'u,kunis gargaarsa USAID'tin pirojeektii "Tanzania Land Tenure Assistance (LTA)" jedhamu hundeessuun kan raawwatamedha.Hojiinsafara lafaa gargaarsaan kan raawwatamu yoo ta'u, abbootiin qabiyyee kaffaltii irraa bilisa haala ta'een raawwatamaa jira.Hojiin safara lafaa meeshaalee digitaalaa adda addaatti kan fayyadamu yoo ta'u, hanga moosaajii hojjechuun moobayiliidhaan hojii isaa raawwatamu (Mobile Application to Secure Tenure (MAST) irra geessisanii jiru.Bulchiinsa

[161] Seera Lafaa Taanzaaniyaa Bara 1999, Kutaa III, Kwt. 197(1-3).
[162] Seera Lafaa Taanzaaniyaa, Kutaa 4,Kwt.30.
[163] Seera Lafaa Taanzaniyaa, Kutaa 5, Kwt. 35
[164] Seera Lafaa Taanzaniyaa, Kutaa 5, Kwt.38
[165] Seera Lafaa Taanzaniyaa, Kutaa 5, Kwt.40

lafaaf jedhamee Taanzaniyaan zoonii 8 fi aanota 133’tti caaseffamtee jirti. Caaseffamni bulchiinsa lafaa hanga gandaatti diriiree jira. Hojii kana raawwachuuf hojiin hubannoo uumuu naannoo hanga gandaatti qaamoolee qooda fudhattootaa ta’anii hundaaf ni kennama.Lafa biyyattiin qabdu keessaa % 2 lafa waliigalaa (general land) yoo ta’u, % 28 lafa daangeffamaa (reserved land) dha. Kan hafe %70 lafa mandaraa (village land) jedhamee beekama.[166]

**Figure 1: Systematic village land registration process**




**Source: Feed the Future/USAID Tanzania Land Tenure Assistance (LTA), 2019**

[166] Ibid pp1-2

Haalli galmeessa lafa gandaa baadiyyaatti kan eegalu yoo ta'u, daataan gandatti galu hanga naannoo fi biyyooleessaatti sirna (system) kanaaf qophaa'ee irratti kan fe'amu ta'a.[167]

### 2.4.3. Muuxannoo Biyya Chaayinaa

Itoophiyaa fi Chaayinaan akkaataa caaseffama mootummaatiin wal fakkaachuu baatanis, haalli bulchiinsa lafaa, sirni abbaa qabeenyummaa lafaa fi itti fayyadamaa, akkasumas dabarsi lafaa iddoon itti wal fakkatu hedduun ni jira. Fakkeenyaaf, Chaayinaa keessatti abbummaan lafaa kan Mootummaa fi kan baadiyyaa immoo kan waliinii hawaasa baadiyyaati. Uummatni garuu mirga itti fayyadama lafaa fi qabeeenya lafa irratti horate irratti mirga abbummaa qabeenyaa ni qaba.[168] Gama biraatiin,akkuma Itoophiyaa biyya Chaayinaa keessatti sirni abbaa lafummaa duraan tureera.[169] Rippaablikiin Ummata Chaayinaa (People's Republic of China) bara 1949 erga hundooftee qabee rifoormiwwan adda addaa lafa baadiyyaa irratti gaggeeffamaa tureera.Paartiin kominstii akkuma aangoo mootummaa argateen lafa abbootii lafaatiin qabamee ture dhaaluun laficha qonnan bultootaaf qooduun lafa qotanii jiraatan irratti abbummaa guutuu akka qabaatan taasiseera.[170]

Bara 1950'moota keessa dhiibbaa sirna sooviyeetiin biyyi Chaayinaa lafa qonnaa namoota irraa fuudhuu gara iddoo tokkootti akka dhufuu fi kan waliinii akka ta'u gochaa turte. Kan akka inistitiyuushinii tokkootti iddoo tokkotti lafti qonnaa deebiyee qonna waliin akka ta'u ta'e ammoo bara 1970'moota fi 1980'moota keessa imaammaata sirna itti gaafatammummaa maatii (Household Responsibility System (HRS) jedhamuun akka bakka bu'u ta'eera.[171] Sirna HRS kan bara 1978 hanga ammaatti hojiirra oolaa jiru kana keessatti qonnaan bultootni dhuunfaan mirga itti fayyadama lafaa[172] kan qaban yoo ta'u, abbaan qabeenyummaa lafaa immoo kan waliinii hawaasa naannichaati.[173]

---

[167]Akkuma 166[ffaa], FF.24-25; The model is decentralized in that the DLO with the participation of village leaders and village residents implements it at village level. However, it can be integrated into the national land management and information system (ILMIS).

[168]Habitat International Coalition Global network for the right to habitat and social justice http://www.hic-gs. Org /articles.php?pid=1553 accessed on 12/7/2020.

[169]J.S. Ping Li, Rural Land Tenure Reforms in China: Issues, Regulation and Prospects for Additional Reforms (Staff Attorney and Beijing Representative for the Rural Development Institute, Seattle, Washington, USA) available at http://www.fao.org/3/y5026e/y5026e06.htm accessed on 12/7/2020**.**

[170] J.S. Ping Li, Akkuma 169[ffaa].

[171] J.S. Ping Li, Akkuma 170[ffaa].

[172] The land rights of individual may include the rights to possess land, to grow and harvest crops, to pass land on to heirs, to transfer land to others and to pledge land rights as security for credit. Chinese laws have never previously

Erga sirni abbaa lafaa biyya Chaayinaa keessaa akka hafu ta'ee jalqabee hanga ammaatti abbaan qabeenyummaa lafaa gosa lamatu jira. Inni tokko, lafti kan mootummaa (government ownership) yoo ta'u; inni biraan immoo lafa waliinii (collective ownership) dha. Akka Heera Mootummaa Chaayinaa bara 1982tti, lafti magaalaa fi baadiyyaa kan irratti hin oomishamiin lafa mootummaa yoo ta'u, lafti baadiyyaa qonnaaf oolu ammoo lafa waliinii uummata naannichaati.[174] Akka miseensi abbaan alangaa chaayinaa J.S.Ping Li, barreessutti seerri Chaayinaa akkuma keenyaa dabarsa abbaa qabeenyummaa lafaa kan mootummaas ta'e kan waliinii ni dhorka.[175]

Mirga lafaa dabarsuun walqabatee, seerri lafaa Chaayinaa kwt 32 jalatti mirga fayyadamaa dabarsuun akka danda'amu tumee jira. Keewwatichi, "The right to land contractual management obtained through household contract may, according to law, be circulated by subcontracting, leasing, exchanging, transferring or other means" jedhee tumee jira. Kana irraa kan hubannu akkuma seera lafaa Naannoo keenyaa kan Chaayinaas mirga abbaa qabiyyummaa kireeffachuu ykn haala biraan fayyadamuu kan eeyyamu ta'uu isaati. Lafti sirnaan galmaa'ee kan jiruu fi lafa walii keessaa namni dhuunfaan qonnaaf fayyadamuuf iddoo biraa irraa dhufee kireeffatu yoo jiraates walii galteen kiraa sun barreeffamaan qophaa'ee mootummaa sadarkaa gara gadii jiru (local governance) tiin mirkanaa'ee taa'a.[176] Waliigalteen kun yoo waldhabbiin dhimmichaan walqabatee ka'e humni mirkaneessuu isaa baay'ee guddaa waan ta'eef, murteessaa akka ta'e miseensi abbaa alangaa waliigalaa chaayinaa J.S.Ping Li ni ibsa.

Waldhabbiin ykn falmiin lafaayoo ka'u,akkaataa itti hiikamus seerri lafaa Chaayinaa tumee jira. Akkaataa waldhabbiin lafaa itti furamuu qabu irratti labsiin dhimma lafaa bara 1998 bahee fi kan

---

defined farmers' land rights since the adoption of HRS until RLCL, which states that farmers' land rights include "rights to use, profit from, and transfer land contracting and operation rights, and the right of autonomy over production operations and disposition of products" and "the right to receive the corresponding compensation" for any land taken by the state or collective for non-agricultural purposes (*Article 16* of Law of the People's Republic of China on Land Contract in Rural Areas; available at http://www.npc.gov.cn/zgrdw/englishnpc/Law/2007-12/06/content_1382125.htm

[173]Yongjun Zhao fa'aa, "Land Governance in China: Historical Context and Critical Junctures of Agrarian Transformation" ( Framing the Debate Series n. 4, ILC, Rome, 2014).

[174] According to China's 1982 Constitution, all land in urban areas is owned by the state and is called state-owned land (guoyou tudi). All agricultural land and homesteads in the suburban and rural areas are owned by rural collectives and called collective land (jiti tudi). Uncultivated land in mountain and other remote areas is also state-owned (J.S. Ping Li,Olitti yaadannoo lak. 169).

[175] J.S. Ping Li, Olitti yaadannoo lak.169.

[176] Article 21 of Law of the People's Republic of China on Land Contract in Rural Areas. 'These requirements are extremely important to protect farmers' land rights because these written land documents provide powerful evidence in any dispute resolution process and an effective deterrent to possible violations.' (J.S. Ping Li, Akkuma 175[ffaa]).

amma hojiirra jiru kan bara 2003 garaagarumma qaba. Inni bara 1998 bahe waldhabbiin lafa irratti ka'u karaa bulchiinsaan adeemsa deemamuun yoo dhume malee gara mana murtiitti dhiyyaachuu hin danda'u kan jedhu yoo ta'u,[177] inni 2003 bahe ammoo akka filannootti qaamoleen wal falman karaa gorsaan, araaraa/jaarsummaan, abbaa seerummaa araaraa (arbitration) yoo fedhe immoo karaa mana murtiin xumurachuu akka danda'an tuma.[178] Akka J.S.Ping Li jedhutti, adeemsi karaa bulchiinsaan yoo adeemsa deemamuu dura yoo xumurame malee dhimmi waldhabbii lafaa gara mana murtii dhufuu hin qabu kan jedhu seera lafaa bara 2003 baheen akka hafu kan ta'e qaamoleen mootummaa adeemsichi keessa darbu falmii keessatti yeroo hedduu waan hirmaataniif akka ta'edha.[179]

### 2.4.4. Muuxannoo Biyya Burkiinaa Faasoo

#### 2.4.4.1. Seensa

Burkinaa Faasoon biyya kutaa lixa Afrikaatti argamtuu fi buufata doonii kan hin qabne dha.Uummati biyyattii irra caalaa baadiyyaa keessa kan jiraatuu fi bu'uurri dinagdee biyyattii qonna midhaanii, horsiisa beeyladaa fi misooma bosonaa irratti kan hundeeffameedha. Bal'ina lafaa waliigalaa iskueeri kiilomeetira 273,600 fi baay'ina uummataa miliyoona 20 ol kan qabdu Burkiinaa Faasoon, faca'iinsa uummataa xiqqaa (nama75 iskuweeri kiilomeetira tokko irratti) kan qabduudha. Haa ta'u malee, lakkoofsi baay'ina uummata biyyattii ariitiidhaan guddachaa kan jiruu fi addunyaa keessatti dahumsaan iddoo ol'aanaarra kan jirtuu fi dubartiin tokko giddugaleessaan daa'imman 5 ol akka deessu hubatameera.[180] Baay'inni ummataas bara 2040tti kan amma jiru irra dacha akka ta'u beekamera. Akkaataa tilmaama jiruun hiyyeessi % 90 ta'u, baadiyyaa keessa kan jiraatani dha. Garuu ammoo kan magaalaas yaaddoo akka ta'ee fi fedhiibu'uura argachuu irratti rakkoon akka jiru ni beekama.

---

[177] J.S. Ping Li, Olitti yaadannoo lak.169.

[178] Article 51 of Law of the People's Republic of China on Land Contract in Rural Areas. It reads, 'Where dispute arises over the contractual management of land, the two parties may settle the dispute though consultation and may request the villagers assembly or the township (town) people's government to help settle the dispute though mediation.'

[179] J.S. Ping Li, says, because collective cadres and local government officials are themselves a party to many land disputes, requiring administrative review would make little sense especially when such officials have much greater access to the mechanism than do farmers. Enabling farmers with a grievance directly to seek judicial redress would substantially improve farmers' ability to resolve such disputes satisfactorily.

[180] The World Bank Annual Report 2019: Ending Poverty,Investing in Opportunity; https://openknowledge. worldbank.org/handle/10986/32333

Akka ragaa Baankii Addunyaa bara 2019'tti, baba'lachuun magaalotaa lafa baadiyyaa irratti taasifamu biyya Burkiinaa Faasoo irratti dhiibbaa fi sodaa guddaa fideera. Jiraattonni magaalaa bara 1990 miliyoona 1.2 kan ture bara 2016tti gara 5.7tti ol guddatteera. Irra guddinni uummata magaalaa irra caalaa maagaalaa guddoo biyyattii Ouagadouguu fi Bobo-Dioulassoo, keessatti 60% guddinaagarsiisuun guddina uummata magaalaan Afrikaa keessa isaan saffisaan guddatan ta'anii jiru. Haala qilleensaa garagaraa qabaachuu isheetiin misoomnni qonnaa kun galii biyyoolessaa waliigalaa keessaa 30% kan maddisiisuu fi 50% galii al-ergeef kan ooluudha. Kanarraa ka'uudhaan dhugaan galii kana irraa argame bu'uura kan godhate, keessumaa lafti baadiyyaa shoora isa ol'aanaa kan qabuudha. Biyyattii keessatti jiireenya uummataafis ta'e guddina biyyaaf gaheen lafti baadiyyaa qabu daran iddoo guddaa kan qabuudha. Inni jalqabaa argannaa lafaa mirkanessuu, hojiiwwan dabaluu oomishaa fi investmentii baadiyyaa mirkanaa'e dhugoomsuudha.[181]

#### 2.4.4.2. Seera Lafa Baadiyyaa Biyya Burkiinaa Faasoo

Biyya Burkiinaa Faasoo keessatti xumura bara 1980tti haalli qabiyyee lafaa rakkoo isa ol'aanaa akka ta'e kan hubatamuu fi rakkoo hojii guddina biyyaa ta'ee tureera. Kana waliin jijjiiramuu haala qilleenssaa bara 1970 irraa jalqabee biyyattii mudateen jireenya ilmaan namaa rakkoo keessa kan galchee tureedha. Rakkoon kun ammoo, akkaataa bulchiinsaa fi ittifayyadama lafa baadiyyaa, manca'uu lafa qonnaa, baay'achuu lakkoofsa uummataa fi beeyladaa biyyattii keessa tureen dhiibba qabeenya uumamaa irra gaheen kan dhufe dha. Akka Ouedraogo'n jedhutti, dorgomiin lafa qonnaaf taasifamaa turee fi hubannoo hawaasni qaburraa kan ka'een lafa baadiyyaaf xiyyeeffannaan kennamaa ture xiqqaa ta'uu isaa irraa ka'uun kan dhufedha. Rakkoowwan kunneen guddina walitti-fufiinsa qabu akka hin dhugoomneef waggootaaf dhiibbaa fidaa tureera. Biyyi kunis rakkoo kana irraa ka'uudhan akkaataa rakkoo kana itti dandamachuu danda'amuu fi tooftaa misoomaa biyyattii haala itti jijjiiruun danda'amuu fi seera bulchiinsaa fi itti fayyadama lafaa biyyattii irratti akka xiyyeeffataniif ka'umsa ta'eera.

---

[181] Drought and flood effects analysis in Burkina Faso: identification of consequences on populations and socio-economical development of Burkina Faso (Food and Agriculture Organization of the UN,1987); https://agris.fao.org/agris-search/search.do?recordID=BF8800031

Walabummaa bara 1960 booda biyyi Burkinaa Faasoo dhiimma bulchiinsa lafa baadiyyaa qaamolee aadaa fi dhimma seera lafa baadiyyaa irratti hojjetaniin kan raawwachiiftuudha. Shoorri Mootummaa dhimma lafaa keessatti qabaachaa ture kan murtaa'ee fi kan eegame dha.Bu'uurri kanaas, seera qabiyyee lafa dhuunfaa bara 1984 bahee fi bara 1991 fi 1996 fooyya'eedha.[182] Lammiileen biyyattii seera mootummaan biyyattii qopheessitee fi fooyyessite kanaan mirga argannaa lafaa kan dhugoomsee fi aangoo gaggeessitoonni aadaa qaban kan hambiseedha.Hiikoon inni naannoo baadiyyaa keessatti qabaachaa tures, lafti qaama lafa qotatee buluuf mirga kan gonfachiise dha.

Akka Hughes (2014)tti, seerri lafaa biyyattii kanaa bulchiinsaa fi ittifayydama lafa baadiyyaa sagantaa komishiniitiin (Commissions Villageoises de Gestio des Terroirs(CVGTs), akka hogganamuu fi bakka bu'oonni koree sadarkaa gandaa bulchiinsa lafaatiif ittigaafatamummaa ni qabu. Qaamonni kunnnen gaggeessitoota qaamolee seera aadaa fi miseensota bakka bu'iinsa hin qabne garicha keessatti walitti fidaniidha. Haa ta'u malee, akka muuxannoo kanaatti jalqabarratti (CVGTs) maal hojjechuu qaba kan sirriitti hin hubanne turan.Komishiniin kun irra caalaa deeggarsa piroojektii dhaabbilee gargaarsaa irratti kan rarra'e ture. Akka muuxannoo kanaatti qaamni kan biraan bulchiinsa lafaa kana keessatti shoora guddaa qaban keessaa mana maree misooma gandaa (Conseil Villageois de Development (CVD) kan jedhamuudha. Gaheen ykn hojiin isaas rakkoo mirga ittifayyadamaa fi wal-diddaa lafaa to'achuu fi hiikuudha. CVGTs fi CVD lamaan isaanii biyyi Burkiina Faasoo dhimma bulchiinsaa fi ittifayyadama lafa baadiyyaa sadarkaa hawaasaatti akka buluu fi itti-gaafatamuummaan isaa qaama baadiyyaa/aadaatti akka ilaalamu kan deeggare dha. Akka Hughes (2014)tti, deemsa kana keessatti seera lafa baadiyyaa(Act.N$^{o}$ 034) bara 2009) iftoomina guddaa fi adeemsa waliigalaa kan mul'iseedha.Galmoonni seera haarawaa bahe kanaa: (1) mirga argannaa lafa badiyyaa wal-qixa ta'e mirkaneessuu;(2) investmeentii qonnaa, bosonaa fi horsiisee bulummaa ol'guddisuu;(3) baadiyyaa keessatti hiyyummaa hir'isuu;(4) eegumsa qabeenya uumamaa walitti-fufiinsa qabu dhugoomsuudha.

### 2.4.4.3. Gosa Wal-diddaa Lafaa Biyya Burkiinaa Faasoo

Akkaataa seera lafaa Burkiinaa Faasootti, lafti qabeenya mootummaa kan ta'ee fi namni kamiyyuu mirga itti-fayyadamaa qofa kan qabu dha. Gama biraatiin, hawaasi baadiyyaa

[182] Hughes,2014

qabiyyeen lafaa kun akka uumamaan argatanii fi qabiyyee dhaloota irraa gara isaaniitti darbee fi qabiyyee dhuunfaa isaanii ta'eetti kan fudhataniidha. Wal-diddaa lafaa bakka hundatti kan babalatuu fi lafa dheedumsaa fi bishaan irratti horsiisee bulttootaa fi qonnaan bultoota gidduutti kan mul'atuudha.Gosti wal-diddaa kunis, daangaa lafa qonnaa irratti wal-diddaa ka'u, qabiyyee mootummaa fi nama dhuunfaa gidduutti lafa daangaa bosonaa jiru irratti kan mul'atu yoo ta'u, mirgi dubartoonni lafa irratti qaban irratti dhiibbaa guddaatu jira/mirga dubartootaa kan kabaje miti.

#### 2.4.4.4. Ka'umsa Wal-diddaa Lafa Baadiyyaa (Causes of Rural Land Disputes)

Akka Addunyaatti, ka'uumsi wal-diddaa lafaa hedduu ta'us, manca'uu qabeenya uumamaa yoo ta'u, innis baayyachuu lakkoofsa uummataa, hongee fi baballachuu magaalota biyyattii akka ta'e qorannoo dhimma kana irratti taasifame ni mul'isa. Hawaasni bakka baddaa keessa jiraatu gammoojjii bakka jiidha qabu keessa qubachuuf yaalii taasisuun qabeenya uumamaa irratti dorgommii taasifamuun wal-duddaan lafaa kan uumamu dha.[183]Gama biraatiin, baba'lachuu oomisha qonnaa gabaaf oolaniin wal-qabatee qabeenya uumamaa irratti dorgommii uumamuun, godaanuu uummataa bakka bakka lafti bal'innaan jiru gara gammoojiitti taasifamuun kanneen yeroo dheeraa lafa bal'aa of-harkaa qaban gidduutti uumamuun muddamni yookiin wal-diddaa lafaa guddaan kanneen godaananiii dhufanii fi kanneen duraan lafa of-harkaa qaban gidduutti argannaa lafaan wal-qabatee wal-diddaa hamaan uumameera.[184]

#### 2.4.4.5. Qaamolee Waldiddaa Lafa Baadiyyaa Hiikuu Keessatti Qooda Fudhatan

Akkaataan itti wal-diddaa lafaa biyya Burkina Faasoo keessatti itti hiikan pirojektoota adda addaa fayyadamuun yoo ta'u, innis Rural Land Governance Project(RLGP, 2009-2014) kan jedhamuu fi innis dandeettii dhaabbilee hawaasaa baadiyyaa cimsuu fi akkaataa adeemsa mirga abbummaa qabiyyee hawaasaa fi dhuunffaa irratti itti fooyyessanii fi uumaniidha.Akkaataa wal-diddaa lafa baadiyyaa ittiin ittisan ilaalchisee walitti-dhufeenya seera aadaaf xiyyeeffannaan addaa kennameera.Akka fakkeenyaatti, biyyattiin seera lafa baadiyyaa haarawaa adeemsisaa turteef itti fayyadama pirojektii adeemsifamuuf maallaqa Doolara Ameerikaa Miliyoona 59.9

[183] Pica-Ciamarra,*et al*, Livestock Policies, Land and Rural Conflicts in Sub-Saharan Africa, (Research Report, 2007) http://www.fao. Org /3/bp290e/bp290e.pdf

[184] Le meur, *et al*, Conflict over Access to Land & Water Resources within Sub-Saharan Dry Lands. Underlying factors, conflicts dynamics and settlement processes, Paris, France (2006).

hojiirratti ramaddeetti.Kanneen adda dureen hojii kana keessatti qooda fudhatan mana maree dhimma lafa baadiyyaa bulchuu fi tajaajila kennuuf hundaa'eedha.Kana keessatti, kenniinsa waraqaa ragaa qabiyyee lafa baadiyyaa, hojiiwwan bulchiinsaa fi komishinii lafaa gandaa waliin ta'uun ittifayyadama lafaa qindaawaa qabeenya umamaa hawaasaa irratti, wal-diddaa lafaa galmeessuu fi hiikuudha.Dabalatanis, bakka bu'oonni kunneen ragaa galmee fi qabiyyee lafa baadiyyaa fooyyessuu, dabarsa lafaa raawwachuu fi akkaataa seera jiruun qaamolee ganda keessatti wal-diddaa lafaa hiikuuf ramadaman waliin wal-ta'iinsaan hojjechuu dha.

### 2.4.5. Muuxannoo Biyya Naayijeeriyaa

Bulchiinsaa fi fayyadama lafaa ilaalchisee muuxannoon biyya Naayijeeriyaa kan biyya keenyaa wajjiin yoo ilaalamu, walfakkeenyaa fi garaagarummaa ni qabaata. Garaagarummaa fi walfakkeenya bulchiinsaa fi fayyadama lafaa ilaalchisee dhimmoonni hedduun ilaalamuu kan danda'an yoo ta'u, akka qorannoo kanaatti, dhimmoota gurguddaa sadii irratti hundoofnee muuxannoo kana kan xiinxallu ta'a. Isaanis: dhimmoota lafaa irratti aangoo seera baasuu, qabeenyummaa fi daddabarsa lafaa, fi waldiddaa dhimmoota lafaa hiikuu dha. Kanas walduraa duubaan akka armaan gadiitti ilaaluuf yaalla.

Naayijeeriyaan biyya sirna federaalizimii hordoftu waan taateef, aangoon mootummoota sadarkaa sadan irra jiran: mootummaa federaalaa, mootummaa naannoo, fi mootummaa sadarkaa gadii irra jiran "Local Government" gidduutti qoodameera. Sadarkaan mootummaa sirna federaalaizimii biyya Naayijeeriyaa sadii haa ta'uyyuu malee, bu'uuraan aangoon seera baasuu kan qoodaamee jiru mootummaa federaalaa fi mootummaa naannolee gidduutti dha. Kunis tarree aangoo lammaffaa (second schedule) irraa ni hubatama. Akkaataa qoqqoodinsa aangoo kanaatiin, lafti ifatti heera biyyattii keessatti aangoo mootummaa kami akka ta'e waan hin kaa'amiiniif qajeeltoo aangoo haftee (residual power) fayyadamuun naannoleen lafa naannoo isaanii keessatti argamu irratti seera baasuuf aangoo heeraan kenname ni qabu jechuu dha.

Haa ta'u malee, mootummaan federaalaa seera "Land Use Act" jedhamu baasuudhaan aangoo lafa bulchuu immoo seeruma kanaan bulchitoonni naannolee (governors of the states) fi mootummaan sadarkaa gadii irra jiru (Local Government) akka bulchan taasiseera. Sababaa fi kaayyoo seerri fayyadama lafaa bahe kun maal akka ta'e hayyoonni ni kaa'u.[185]Lafti daangaa

[185]Akintunde Otubu, The Land Use Act And Land Administration In 21st Century Nigeria: Need For Reforms, Afe Babalola University: Journal of Sustainable Development, Law & Policy, Vol. 9 (1), 2018, F2. He states that the

naannolee keessatti argamu bulchaa naannolee fi mootummaa sadarkaa gadii irra jiruun haa buluyyuu malee, lafti daangaa mootummaa federaalaa keessatti argamu (kan akka Magaalaa ykn teessuma mootummaa federaalaa, Magaalaa Abujaa) mootummaa federaalaatiin bula. Lafa daangaa Magaalaa Abujaa keessatti argamu irratti kan seera baasuu fi bulchu mootummaa federaalaati. Lafti daangaa magaalaa keessa jiru kamiyyuu aangoo bulchiinsaa fi to'annoo bulchaa naannichaa jala jira. Lafti daangaa magaalaan ala jiru (lafti baadiyyaa) immoo aangoo bulchiinsaa fi to'annoo "local government" jalatti bula.

Bulchiinsii fi to'annoon lafa magaalaa fi baadiyyaa aangoo bulchaa naannoo fi "local government" jala haa jiraatuyyuu malee qaamoleen kunneen lamaan koree gorsituu of jalatti kan qabaatan ta'u.Koreen gorsituun dhimmoota bulchiinsaa fi fayyadama lafaa ilaalchisee gorsaa fi yaada adda addaa ni dhiyeessuufii.Haaluma kanaan, koreen fayyadamaa fi hirtaa lafaa (Land Use and Allocation Committee) bulchaa naannoo jalatti kan hundeeffamu yoo ta'u, koreen gorsituu hirtaa lafaa (Land Allocation Advisory Committee) jedhamu immoo sadarkaa "local government"tti kan hundeeffamu ta'a. Koreewwan kunneen naannoole fi "local government" hunda keessatti kan hundeeffaman ta'u. Baay'inni miseensota Koree fayyadamaa fi hirtaa lafaa kan murtaa'u bulchaa naannichaatiin ta'ee, yoo xiqqaate ogeessota 'survey' qabeenyaa (estate surveyor) ykn lafaa muuxannoo hojii waggaa shanii qaban lamaa fi ogeessa seeraa tokko kan qabaatu ta'a. Miseensota koree keessaa namni bulchaan naannoo filu walitti qabaa korichaa ta'ee kan gaggeessu ta'a. Koreen gorsaa hirtaa lafaa "local government" walta'iinsa bulchaa naannoo sanaa fi local government waliin taasifamuun kan hundeeffamu dha. Koreewwan kunneen akka barbaachisummaa isaaniitti bulchaa naannoo fi "local government"f dhimmoota lafaa fi lafa wajjin wal qabatan kan akka bulchiinsaa fi fayyadama lafaa, tilmaamaa fi kaffaltii beenyaa, falmii ykn waldiddaa hanga beenyaa wajjin wal qabatee ka'u, qubannaa fi qabannaa lafaa, kkf irratti gorsaa fi yaada ni dhiyeessu ykn ni kennu.

Daangaan lafa magaalaa kan murteeffamu haalaa fi ulaagaa manni maree naannolee baasuu irratti hundaa'uun seera ykn qajeelfama maxxansa seeraa naannoo State Gazette jedhamu irratti maxxanfamuun bulchaan naannichaa kan raawwatuun ta'a. Kanaaf, ulaagaa kan baasu mana

---

Land Use Act, promulgated in 1978, was motivated by the need to make land accessible to all Nigerians; prevent speculative purchases of communal land; streamline and simplify the management and ownership of land; make land available to governments at all levels for development; and provide a system of government administration of rights that would improve tenure security.

maree naannooti; seerichi immoo gazette seeraa naannoo irratti maxxanfamuu qaba; bulchaan naannoo immoo ni raawwachiisa jechuu dha.

Akka seera fayyadama lafaa kanaatti, Bulchaan Naannoo aangoo armaan gadii ni qabaata: lafa daangaa magaalaa keessaas ta'e daangaa magaalaa ala jiru nama kamiifiyyuu sababa gaafatameef kennuu; lafa kennameef kaffaltii (rental) gaafachuu; kaffaltii sababa lafti kennameef sassaabamu sababa adda addaaf fooyyeessuu: kaffaltii adabbii (penal rent)murteessuu, kunis bu'uura waliigaltee waraqaa ragaa qabiyyee lafaa irratti kaa'ameen laficha misoomsuu ykn fooyyessuu yoo dide, hayyama bulchaa naannichaa dursanii otoo hin gaafatiin lafa seeraan kennameef akka hin gurgurre, hin qabsiifne (mortgage), hin dabarsine, kireessuu (sublease), ykn dhaalchisuu (bequest) hin dandeenye ifattis ta'e karaa naannawaan yoo dhorkame dha. Mootummaan sadarkaa gadii irra jiru "Local Government" immoo lafa daangaa magaalaan ala jiru bulchuuf, fi mirga argannaa lafaa aadaa (customary rights of occupancy) nama ykn dhaabbata kamiifiyyuu qonnaaf, jireenyaaf, ykn sababa kamiifuu lafa daangaa isaa keessatti argamu kennuuf aangoo ni qabaata.

Sirni bulchiinsa lafaa biyya Naayijeeriyaa gama haguuggii seeraan yoo ilaalamu kan armaan olitti gabaabinaan ibsame yoo ta'u, hayyoonni akkaataa bulchiinsa lafaa kana irratti qeeqa hedduu yeroo dhiyeessan ni mul'ata. Akkaataa qeeqa hayyootaa kanaan sirni bulchiinsa lafaa biyyaa Naayijeeriyaa aangoo guddaa bulchaa Naannoof waan kennuuf sirna kana sirna namni tokko lafa akka dhuunfatu (monstrous fiefdom) akka ta'e, haqummaa lafaa (land equity) irratti rakkoon akka jiru, fi wabiin argannaa lafaas salphaatti mulqamuu kan danda'u akka ta'e ni ibsu.[186] Kun immoo bulchiinsa lafaa irratti rakkoo hamaa dha; mirga namni tokko qabeenya isaa irratti qabu kan heeraan beekamtii argate irrattis dhiibbaa guddaa qaba jechuun ni qeeqama.

Haalli daddabarsa lafaa biyya Naayijeeriyaa sababa adda addaatiin kan daangeffame dha. Akka seera fayyadama lafaa biyyattiitti, hayyamaa fi fedha bulchaa naannolee malee lafa dabarsanii nama biraaf kennuun (assignment), qabsiisanii maallaqa liqeeffachuun (mortgage), qabiyyummaa dabarsuun (transfer of possession), kireessuun (sublease) fi kkf seera duratti fudhatama akka hin qabne (void) kaa'ameera. Daddabarsi lafaa akkaataa kanaan raawwatamuun hayyamni bulchaa naannoo murteessaa fi ulaagaa seeraa ti jechuu dha. Haa ta'u malee, akka yaada hayyoota tokko tokkootti ulaagaan hayyama bulchaa naannoo guutamaa dhabuun

[186] Akintunde Otubu, Akkuma 185[ffaa], F3.

daddabarsa lafaa seera fuulduratti gatii dhabsiisa (void) taasisa otoo hin taane waliigaltee akkasii hir'uu (incomplete or inchoate) taasisa. Kun immoo ulaagaa hayyama bulchaa naannoo kana bu'uura tumaalee seerichaatiin guuttachuudhaan ykn gaafachuudhaan waliigaltee daddabarsa lafaa seera qabeessa taasisuun ni danda'ama jechuun yaada dhiyeessu.[187] Kanaaf, akka yaada hayyoota kanaatti, bu'aan waliigaltee daddabarsa lafaa "void" otoo hin taane "voidable" ta'a jechuu dha. Gama biraatiin, ulaagaan hayyama bulchaa naannoo waliigaltee daddabarsa lafaa, lafa magaalaa fi baadiyyaa irratti raawwatamummaa kan qabu ta'uu hubachuun barbaachisaa dha. Haa ta'u malee, ulaagaan hayyama bulchaa naannoo kun lafa naannolee irratti malee lafa federaalaa jedhamee kan daangeffame irratti raawwatiinsa hin qabu.

Akkasumas, lafa daangaa baadiyyaa keessatti argamu ilaalchisee, lafa qonnaaf hektaara 500 ol, lafa dheedichaaf immoo hektaara 5000 ol kennuuf hayyama bulchaa naannoo barbaachisa. Aangoon lafa baadiyyaa bulchuu kan mootummaa sadarkaa gadii irra jiruu yoo ta'eyyuu, mootummaan kun lafa qonnaa fi dheedichaaf kennuu kan danda'u walduraa duubaan hamma hektaara 500 fi 5000 qofaatti.

Dhimmoonni ykn falmiin lafaa biyya Naayijeeriyaa mana murtii aadaa (customary court) tti ilaalama. Sababni isaas, akka seera fayyadama lafaa biyyattiitti, seerri lafaa akka seera aadaa (customary law) tti fudhatama.[188] Dhimmoonni lafaa haala kanaan sadarkaa jalqabaan mana murtii aadaatiin murtii argatan ol'iyyannoodhaan mana murtii aadaa oliyyannoo (customary court of appeal) fi mana murtii olaanaatti geeffama. Kunis, dhimmichi walduraa duubaan gaaffii seera aadaa (questions of customary law) kan kaasu yoo ta'ee fi gaaffii seeraa (questions of law) kan kaasu yoo ta'e dha. Bu'uura Heera biyya Naayijeeriyaa kutaa 6(5(h) fi 265'n manni murtii aadaa oliyyannoo Magaalaa Abujaa (Federal Capital Territory) kan hundeeffame yoo ta'u, bu'uura kutaa 6(5)(i) fi 280'n immoo manni murtii aadaa oliyyannoo naannolee hundeeffameera.[189]

---

[187]Akintunde Otubu, Akkuma 186[ffaa], F6

[188] Rebecca Emiene, A Comparative Analysis of the Court Structures in Nigeria and South Africa, ( Submitted in the Fulfilment for the Requirements of Masters Degree in Law, University of Pretoria, Faculty of Law, 2012), F130

[189] Sirna hojimaataa fi daangaa aangoo mana murtii aadaa oliyyaannoo tumaalee Heera biyyattii keessatti ibsaman yaada guutuu akka kennaniif kutaaleen 282-284 akka armaan gadii kanatti dhiyaataniiru: 282 (1) A Customary Court of Appeal of a State shall exercise appellate and supervisory jurisdiction in civil proceedings involves questions of customary law. (2) For the purpose of this section, a Customary Court of Appeal of a State shall exercise such jurisdiction and decide such questions as may be prescribed by the House of Assembly of the State for which it is established. 283. For the purpose of exercising any jurisdiction conferred upon it by this Constitution or

Gama biraatiin dhimmoonni ykn falmiin hanga kaffaltii beenyaa wajjin walqabatee ka'u koree fayyadamaa fi hirtaa lafaa (Land Use and Allocation Committee) tiin ilaalama. Murtiin koreen kun falmii hanga beenyaa irratti kennu isa dhumaa, fi mana murtii kamittuu kan hin dhiyaanne dha.[190] Gama biraatiin, akkuma armaan olitti tuqame koree kana kan hundeessu bulchaa naannooti. Yaadaa fi murtiin koreen kun dhiyeessu bulchaan naannoo mirkaneessuu ykn kuffisuu danda'a. Kun immoo namni gaaffii fi komii hanga kaffaltii beenyaa irraa qabu murtii haqa qabeessa argachuu irratti rakkoo uumuu ni danda'a. Rakkoo gama kanaan mul'atu hayyuun dhimma kana qorate gabaabinaan kaa'eera.[191] Aangoon bulchaan naannoo dhimma lafaa irratti bakka bu'ummaan seera baasuu (quasi-legislative power), seera raawwachiisuu (executive power), fi karaa koree fayyadamaa fi hirtaa lafaa dhimma kaffaltii beenyaa irratti aangoo abbaa seerummaa qabaachuun qajeeltoowwan qoqqoodinsa aangoo fi walto'achuu, fi sirna bulchiinsa seeraa (the principles of separation of powers and check and balance, and the rule of law) waan cabsuuf, akkasumas aangoon mootummaa sadeen kun bulchaa naannoo (nama tokko) harka waan galeef qeeqa guddaatu irratti ka'a.

Murtii dhumaa koreen fayyadamaa fi hirtaa lafaa falmii hanga beenyaa irratti kennuu ilaalchisee, akkasumas manni murtii akka hin ilaalle dhorkamuun, seerri fayyadama lafaa (Land Use Act) kutaan 47(2) bu'uura Heera biyyattii kutaa 40(1)'n ilaalamee raawwatiinsa akka hin qabaanne murtaa'eera.[192] Kunis, mirga lammiileen mana murtiitti dhimma isaanii dhiyeeffatanii murtii haqaa qaban argachuu waan miidhuuf tumaan seeraa kun raawwatiinsa akka hin qabaanne taasifameera.

---

any law, a Customary Court of Appeal of the State may make rules for regulating the practice and procedure of the Customary Court of Appeal of the State. Sec.284. Subject to the provisions of any law by the House of Assembly of the State, the President of the Customary Court of Appeal of the State may make rules for regulating the practice and procedure of the customary Court of Appeal of the State.

[190] Seera Itti Fayyadama Lafaa Bara 1978, Kutaa 47(2).

[191]Akintunde Otubu, Olitti yaadannoo lak. 186, F19. Theoretically, the Land Use and Allocation Committee is independent, as it is presided over by one of its members, but the governor determines the composition, membership, tenure of the committee and regulates its proceedings. Furthermore, the committee is only advisory, and its recommendation is not binding on the governor. The governor thus has the final say in any matter put forward by the committee. Also, the committee/governor's decision on the quantum of compensation payable for improvement on land under the Act is final. No court shall have jurisdiction to inquire into any question concerning or pertaining to the amount or adequacy of any compensation paid or to be paid under the Act.

[192]Akintunde Otubu, Akkuma yaadannoo lak. 186, F19. In a democratic setting, the adjudicatory powers of the governor in the implementation of the Act cannot withstand judiciary scrutiny, particularly the finality of the committee/governor's decision on the matter. The inviolability of the provision has been tested in courts and it is gratifying to note that the court of Appeal in *Kanada* v Governor of Kaduna State and Another, declared section 47 (2) void for being inconsistent with the provision of section 40 (1) of the 1979 Constitution of the Federal Republic of Nigeria, for it denies persons claiming compensation for compulsory acquisition of his property access to a court of law or tribunal or body having jurisdiction in Nigeria.

## 2.5. Muuxannoo Mootummaa Naannolee Itoophiyaa

### 2.5.1. Muuxannoo Naannoo Amaaraa

Seerri bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa Naannoo Amaaraa bulchu Labsii Lak. 252/2009 fi labsicha raawwachiisuuf dambii bahe, dambii lak.159/2010 dha. Labsiin kun kutaalee sagal kan of keessaa qabuufi dhimmoota hedduu of keessatti kan hammate dha. Hubannoof akka tolutti, karooraafi itti fayyadama lafaa, qabiinsa ragaa, argannaafi dabarsa lafaa fi akkaataa waldiddaan itti hiikamu ilaalchisee uwwisa labsichaan kenname tokko tokkoon akka armaan gadiitti ilaaluuf yaalla.

#### A) Karooraa Itti Fayyadama Lafaa

Karoora itti fayyadama lafaa jechuun odeeffannoo haala teechuma, diinagdeefi hawaasummaa ibsu irratti hundaa'uun faalama naannoo osoo hin dhaqqabsiisiin faayidaawwan adda addaa lafti kennuu danda'u keessaa waldorgomsiisuun faayidaa dinagdee ol'aanaa akka argamsiisuu danda'utti murteessuu jechuu dha.[193] Dhimmi kun seensa labsichaa keessatti qabeenya uumamaa haala itti fufiinsa qabuun eeguufi misoomsuuf karoora itti fayyadama lafaa qabaachuun barbaachisaa ta'uu labsicha keessatti ibsameera. Dabalataaan, kutaan 4ffaa labsii kanaa (kwt. 29-32) dhimma kana irratti kan xiyyeeffatu dha. Haaluma kanaan, Biiroon Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafaa Naannoo Amaaraa karoora itti fayyadama lafaa akka biyyaatti qophaa'u irratti hundaa'uun haala qabatama naannichaa akkaataa tilmaama keessa galcheen karoora itti fayyadama lafaa ni qopheessa.[194] Godinaaleenis karoora naannoon qopheessu irratti hundaa'uun haala qabatama isaaniitiin karoora itti fayyadama lafaa ni qopheessu.[195] Aanoleenis karoora itti fayyadamaa godinaaleen qopheessan irratti hundaa'uun akkaataa haala qabatama isaaniitiin karoora itti fayyadama lafaa ni qopheessu.[196] Sadarkaa Gandaatti, misoomni sululaa ykn karoorri itti fayyadamaa qophaa'u hawaasa akkaataa hirmaachiseen ta'uu qaba. Lafti faayidaa kanaaf ooluu qaba jedhamee yeroo murtaa'us faayidaa diinagdee caalmaatti kan argamsiisu ta'uu,dhiibbaan naannoo irratti dhaqqabsiisu xiqqaa ykn tasumaa kan hin jirre ta'uu, tajaajilli

[193] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, kwt.2(4)
[194] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, kwt.29 (1)
[195] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, kwt.29 (2)
[196] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, kwt.29 (3)

laficha irratti kennamu fayyadamtoota biratti fudhatama kan qabu ta'uu isaa mirkaneeffachuun barbaachisaa dha.[197]

Karoorri itti fayyadama lafaa naannoon, godinaan ykn aanaan qophaa'u akkaataa barbaachisummaa isaatti karoora itti fayyadama lafaa akka biyyaatti ykn kutaalee bulchiinsaa sadarkaan jiran irratti hundaa'uun waggoota 10-15 jidduutti haaromfamuu qaba.[198] Warreen sadarkaa Gandaatti qophaa'an hirmaannaa uummataan akkaataan itti haaromfaman dambii ba'uun akka murtaa'u labsichi ifatti tumeera.[199] Bakkeewwan bishaanawoo ta'aniifi hafteewwan aadaafi amantaa bakkuma jiranitti kunuunfamanii kan turan ta'uu labsichi tumeera.[200]Ganda baadiyyaa keessatti akkaataa mana jireenyaa itti ijaarratan akkaataa argamuu danda'uufi manni ganda baadiyyaatti ijaarame tokko haala kamiin garee sadaffaatti darbuu akka danda'uufi hin dandeenye ilaalchisees labsichi uwwisa kan kenne yoo ta'u, gadi fageenyi isaa dambiin akka murtaa'u akeekeera.[201] Karoorri itti fayyadama lafaa haaromfame tokko qorannoo irratti yoo hundaa'een alatti jijjiiramuu akka hin dandeenyes labsichi ifatti tumeera.[202]

### B) Qabiinsa Odeeffannoo (Ragaa) Lafaa

Naannoo Amaaraa keessatti ragaa lafa baadiyyaa akkaataa qulqullina qabuun galmaa'ee bifa qindoomina qabuun fayyadamtoota dhaqqabsiisuun akkaataa mirgi abbaa qabiyyummaa itti eegamuufi eegumsiifi itti fayyadamni qabeenya uumamaa itti mirkanaa'uuf uwwisa seeraa qabaachuun barbaachisaa ta'uu seensa (preamble) labsichaa keessatti ibsameera. Dabalataan, sirna qabinsa ragaa hammayyaa'aa ta'e diriirsuun mootummaanis ta'e uummanni naannichaa odeeffannoo amanamaa ta'e qabaachuun waldiddaan lafa baadiyyaan walqabatee ka'u akka xiqqaatu gochuuf seera qabaachuun barbaachisaa ta'uus seensa labsichaa irratti dabalataan ibsameera.

Qabiyyeen kutaa shanaffaafi ja'affaa labsichaas bulchiinsuma daataa lafaan walqabata. Haaluma kanaan, kutaan shanaffaa akkaataa lafti baadiyyaa itti safaramu, galmeeffamuufi waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa itti kennamu irratti xiyyeeffata. Safarriin kan gaggeeffamu lafa qabiyyee

[197] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, kwt.29 , 29 (7)(a-c)
[198] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, kwt.30(1)
[199] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, kwt.30(2)
[200]Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, kwt.30(3)
[201] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, kwt.31 (4-8)
[202] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, Kwt.32

dhuunfaa, kan waliiniifi kan mootummaa irratti dha.[203] Safarriin taasifamu hanga bal'ina qabiyyeefi daangessitoota kallattii hundaan jiran akkaataa adda baasee agarsiisuu danda'uun ta'uu qaba.[204] Lafti erga safaramee booda, waajjira bulchiinsaafi itti fayyadama lafaatti galmee qophaa'etti galmaa'ee ol kaa'ama.[205] Qabiyyeen galmee maqaa guutuu abbaa qabiyyee, haala qabiyyichi itti argame,daangessitoota lafichaa,sadarkaa gabbina lafichaa (level of fertility), faayidaa lafichi ooluu danda'uufi dirqama abbaan qabiyyee qabu kan hammate ta'uu qaba.[206] Galmeessi ragaa kun haardikooppiidhaan galmee haadhoo irratti ykn elektirooniksii dhimma kanaaf qophaa'e irratti ta'uu danda'a; hanga ragaa dhugaa irratti hundaa'ee galmaa'anitti seera fuulduratti lachuu fudhatamummaa walqixa qabu.[207]

Galmeessi ragaa erga raawwatamee booda waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa maqaa abbaa qabiyyeetiin qophaa'ee suurris itti maxxanfamee bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa aanaatiin ni kennama.[208] Waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa mirga abbaa qabiyyee seeraan kennamee jiru ilaalchisee ragaa dha.[209] Osoo ragaan kun jiruu abbootiin seeraa ragaa namaafis ta'e ragaa sanadaa biroof dursa kennuun fudhachuus ta'e ilaaluu hin danda'an.[210] Haa ta'u malee, ragaan barreeffamaafi caalaatti amansiisaa ta'e yoo jiraate waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa caalaa akka ragaatti dhiyaachuu akka danda'u labsichi tumeera.[211]

Odeeffannoon adeemsa armaan olii keessa darbee galmaa'ee waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa lafaa itti kenname akkaataa itti qabamu, eegamuufi haaromfamu ilaalchisee labsichi kutaa jahaffaa jalatti uwwisa kenneera. Haaluma kanaan galmeen haadhoo lama kan jiru yommuu ta'u, inni tokko ganda inni biraa ammoo waajjira bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa Aanaa taa'a.[212] Qabiyyeen galmeewwan haadhoo walitti kan bu'u yoo ta'e, irra deebi'amee qulqullaa'ee akka galmaa'u ta'a. Waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa yommuu haaromfamu, haaraadhaan bakka buufamu ykn ammoo tajaajilli biroo irratti taasifamu kaffaltiin ta'a. Qabiyyeen lafaa ykn abbaan qabiyyee yommuu jijjiiramu ragaanis faanuma haaromfamee

---

[203] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009,kwt.33 (2)
[204] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009,kwt.33 (3-4)
[205] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009,kwt.34 (1)
[206] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009,kwt 34 (2)
[207] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, kwt.34 (4-5)
[208] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, kwt. 35 (1)
[209] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, kwt. 35 (2)
[210] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, kwt. 35 (2)
[211] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, kwt. 35(5)
[212] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, kwt. 42(1)

jijjiiramu ta'ee kunis karaa gandaafi waajjira bulchiinsaafi itti fayyadama lafaa aanaatiin kan raawwatamu ta'a.[213] Sirni kaadastiraan odeeffannoo lafa baadiyyaa qabaachuus labsichi kwt. 45 jalatti uwwisa kennee jira.

### C) Akkaataa Waldiddaan Lafaa Itti Hiikamu

Akkaataa waldiddaan lafa baadiyyaa irratti ka'u itti hiikamu ilaalchisee labsichi kwt.52 jalatti uwwisa kenneera. Haaluma kanaan, dursa mariifi waliigaltee qaamolee waldhabaniin hiikama.[214] Qaamoleen waldhaban waliigalteen hiikuu kan hin dandeenye yoo ta'e, ammoo jaarsummaa isaan filataniin kan hiikamu ta'a.[215] Mariifi waliigaltee qaamolee waldhabaniin ykn jaarsummaan hiikkachuu kan hin dandeenye yoo ta'e, guyyoota soddoma (30) keessatti mana murtii aanaa dhiyeenya jirutti dhiyaachuu danda'a.[216] Murtii Manni Murtii Aanaa kenne irraa qaamni komii qabu guyyoota soddoma (30) keessatti mana murtii ol'aanaatti komii isaa dhiyeeffachuu danda'a.[217] Manni Murtii Ol'aanaa murtii Mana Murtii Aanaa kan cimse yoo ta'e, murtichi kan dhumaa ta'a;kan fooyyeesse ykn kan diige yoo ta'e ammoo yeroo lammaffaaf Mana Murtii Waliigala Naannichaatti ol iyyachuu danda'a;murtiin qaama kanaan kennamus isa dhumaa ta'a.[218]

Murtii bulchiinsaa waajjirri bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa aanaa kennu irratti qaamni komii qabu akkaataa mana murtiitti dhiyeeffachuu danda'us labsichi tumeera.[219] Haaluma kanaan, safarrii, bulchiinsaafi dhimmoota biroo kanaan walqabatan ilaalchisee murtii kennamu irratti qaamni komii qabu komii isaa guyyoota soddoma keessatti mana murtii aanaatti dhiyeeffachuu danda'a.[220] Manni murtii aanaa murtii qaamni bulchiinsaa kenne kana kan cimsu yoo ta'e, mana murtii ol'aanaatti ol'iyyachuun ni danda'ama. Manni murtii ol aanaa murtii mana murtii aanaa kan cimse yoo ta'e murtiin kennamu kan dhumaa ta'a.[221] Murtiin manneen murtii, murtii dhumaa kennaniin kennamu dogoggora bu'uuraa seeraa kan qabu yoo ta'e, Mana Murtii

---

[213]Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, kwt 43(1-2)
[214] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, kwt.52 (1) (A)
[215]Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, kwt.52 (1) (B)
[216] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, kwt.52 (2)
[217] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, kwt.52 (3)
[218] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, kwt.52 (4-5)
[219] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, kwt.52 (6).
[220] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, kwt.52 (6)
[221] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, kwt. 52 (6)

Waliigala Naannoo Amaaraa, Dhaddacha Ijibbaataatti dhiyaachuu akka danda'a labsichi ifatti tumeera.[222]

Akka waliigalaatti, labsichi adeemsa falmiin lafa baadiyyaan walqabatee ka'u itti hiikamu mariifi waliigaltee qaamolee waldhabanii, jaarsummaan, waajjira bulchiinsaafi itti fayyadama lafaa fi manneen murtii idilee jechuun bal'isee kaa'ee akka jiru hubachuun ni danda'ama.

### D) Dabarsa Lafaa

Dabarsa lafaa yoo jedhamu bu'uuraan akkaataa lafti abbaa qabiyyee tokko irraa abbaa qabiyyee biraatti darbu jechuu agarsiisa. Haaluma kanaan, lafti baadiyyaa kiraan, kennaafi dhaalaan darbuu akka danda'u labsichi keewwattoota 15, 16 fi 17 jalatti tumeera. Kanas tokko tokkoon akka armaan gadiitti gabaabinaan haa ilaallu.

- **Kiraa**

Abbaan qabiyyee tokko hanga qabiyyee isaa irraa buqqa'uu hin dandeenyetti hojii qonnaaf yoo ta'e kireessuu danda'a.[223] Waliigalteen kiraa lafaa barreeffamaan ta'ee bal'ina lafaa, yeroo turtii, hangaafi akkaataa kaffaltii ifatti kan agarsiisu ta'uu qaba.[224] Waliigalteen kan taasifame turtii waggoota lamaaf yoo ta'e bulchiinsa gandaatti; sanaa oliif yoo ta'e ammoo waajjira bulchiinsaafi itti fayyadama lafaa aanaatti galmaa'uu qaba.[225] Turtiin yeroo waliigaltee kiraa inni guddaan gosa oomishaa irratti hundaa'uun labsichaan taa'ee jira. Haaluma kanaan, firiiwwan mukkeen dhaabbatoof waggoota 30'f yoo ta'u, oomishawwan waggaaf yoo ta'e ammoo waggoota 10'f kan turu ta'ee carraa haaromfamuu qaba.[226]

- **Kennaa**

Abbaan qabiyyee ijoollee (child) ykn ijoollee, ijoollee isaa (grandchild) ykn miseensa maatii kamiyyuu qonnaan jiraatu ykn jiraachuu barbaaduuf kennaan dabarsuu danda'a.[227] Akkasumas, namni abbaa qabiyyee sooreef ykn sooraa jiruuf ragaa barreeffamaa mana murtii hawaasummaa gandaa hanga dhiyeesseefi qonnaan jiraachuu ykn jiraachuu kan barbaadu taanaan kennaan lafa

[222] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, kwt.52 (7)
[223] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, kwt.15 (1-2)
[224] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, kwt.15 (3-4).
[225] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, Kwt.15 (8)
[226] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, Kwt.15(9-10)
[227] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, Kwt.16 (1) (a-b).

argachuu ni danda'a.[228] Kennaa abbaan qabiyyee taasisu karaa kamiinuu taanaan mirga daa'imman gaa'ilaaf hin geenye ykn miseensota maatii biroo irra miidhaa kan dhaqqabsiisu ta'uu hin qabu.[229] Akkasumas, namni jalqabumaanuu lafa baadiyyaa argachuuf mirga hin qabne abbaa qabiyyee soores, dhiises kennaan lafa argachuu hin danda'u.[230]

Abbaan qabiyyee tokko mirga abbaa qabiyyummaa dhaabbiidhaan nama tokkoof; mirga itti fayyadamaa ammoo nama biraaf yeroo murtaa'aa ta'eef kennaadhaan dabarsuu danda'a.[231] Qabiyyeen lafaa kennamu kan abbaa warraafi haadha warraa ykn kan namoonni biroo waliin qaban yoo ta'e, walfuutonni ykn namoonni abbootii qabiyyee ta'an hundi kenna taasifamu irratti fedhii qaban ibsuu qabu.[232]Waliigalteen kenna lafaa kan ragga'u barreeffamaan ta'ee waajjira bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa aanaa lafichi keessatti argamu biratti dhiyaatee yoo galmaa'e dha.[233]

- **Dhaala**

Namni abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa ta'e tokko mirga abbaa qabiyyummaa isaas ta'e kan mirga itti fayyadamaa namoota hojii qonnaan bulaniif ykn buluu barbaadan biroof dhaamoodhaan dabarsuu danda'a.[234] Akkuma kennaa, abbaan qabiyyee mirga abbaa qabiyyummaafi mirga itti fayyadamaa adda adda baasee dhaamoon dhaalchisuu danda'a.[235] Haa ta'u malee, lafti dhaamoodhaan nama biraatti darbu karaa kamiinuu mirga dhaalmaa daa'imman gaa'ilaaf hin geenyee kan buqqisu ykn ammoo abbaa warraa ykn haadha warraa irraan miidhaa kan dhaqqabsiisu yoo ta'e seera duratti fudhatama hin qabaatu.[236]

Abbaan qabiyyee dhaamoodhaan osoo hin dhaalchisiin yoo du'e ykn dhaamoo inni kenne kufaa yoo ta'e,ijoolleen isaa, maatiin isaa ykn miseensonni maatii seeraan mirga qabaniif qonnaan bulan ykn qonnaan buluu barbaadan kan dhaalan ta'u.[237] Toora dhaala qabiyyee lafaa keessatti

[228] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, Kwt.16 (2).
[229] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, Kwt.16 (3).
[230] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, Kwt.16(4)
[231] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, Kwt.16 (5).
[232] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, Kwt.16 (6).
[233] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, Kwt.16 (7-8).
[234] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, Kwt.16 (1); dhaala ilaalchisee namoonni magaalaa daangaa baadiyyaa jiraataniif galii xiqqaa qabaniifi maatii isaanii kan deeggaran galii lafa baadiyyaa irraa argamuun ta'e akka qonnan bultootaatti akka ilaalaman labsiin kun kwt.16 (11) jalatti ifatti tumeera.
[235] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, Kwt.16(2)
[236] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, Kwt.16 (3)
[237] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, Kwt. 16 ( 5)

abbaan qabiyyee ijoollee kan hin qabne ykn ammoo abbaa qabiyyee dursanii kan du'an yoo ta'e, dursanii akka miseensa maatiitti kan dhaalan yoo ta'een ala ijoolleen ijoollee abbaa qabiyyee (grand children) ni dhaalu.[238]

Abbaan qabiyyee dhaamoo osoo hin godhiin yoo du'eefi dhaaltota gara gadiitti lakkaa'amanii (descendants) hojii qonnaan jiraatan ykn jiraachuu barbaadan kan hin qabne yoo ta'e, warri isaa (parents) qonnaan bulan ykn buluu barbaadaniif hangi qabiyyee isaanii hanga qabiyyee ol'aanaa seeraan hayyamame kan hin caalle yoo ta'e dhaaluuf mirga qabu.[239] Kanuma wajjiin abbaan qabiyyee dhaalaa kan hin qabne yoo ta'e, lafichi baankii lafaatti deebi'uun namoota lafa hin qabneef kan qoodamu ta'uu labsichi tumeera.[240]Dhimmi biraa asitti ka'uu qabu, qabiyyeen lafaa dhaaltota jidduutti yoo qoodamu hanga qabiyyee isa xiqqaa seeraan hayyamameen gadi yoo ta'e qooddiin attamitti raawwata kan jedhu dha. Kana ilaalchisuun labsichi ifatti qooddiin kan hin danda'amne ta'uufi waliin akka itti fayyadaman tumeera.[241]Dhaamoon taasifamu barreeffamaan ta'ee ulaagaalee Seera Hariiroo Hawaasaa keessatti teechifaman guutuun waajjira bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa aanaatti dhiyaatee galmaa'uu qaba.[242]

- **Mirga Itti Fayyadama Lafaa Wabiin Qabsiisuu**

Mirgi abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa armaan dura hin baratamne garuu labsii lak.252/2009'tiin beekamtii argate inni biroo mirga itti fayyadamaa wabiin qabsiisuun liqeeffachuu dha. Haaluma kanaan, abbaan qabiyyee tokko turtii waggaa 30 hin caalleef mirga itti fayyadamaa wabiin qabsiisuun dhaabbilee faayinaansii Baankii Biyyoolessaa biyyattiin beekamtii argatan irraa liqeeffachuu danda'a.[243] Liqeeffataan qarshii liqeeffate deebisuu kan hin dandeenye yoo ta'e, mirgi itti fayyadama liqeessaa turtii yeroo waliigalame caaluu hin danda'u.[244] Liqeessaan ofiisaatiin lafa kan hin misoomsine yoo ta'ee nama sadaffaatti kan dabarsu yoo ta'e, liqeeffataan mirga dursaa ni qabaata.[245] Waliigalteen wabiin qabsiisanii liqeeffachuu seera duratti fudhatama kan qabaatu dhaabbata liqeessu biratti galmaa'uu qaba;waraabbiin waliigaltichaas waajjira

238 Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/ 2009, Kwt.16 (6).
239 Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/ 2009, Kwt.16(8).
240 Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/ 2009, kwt.16 (10).
241 Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/ 2009, Kwt.16(9).
242 Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/ 2009, Kwt. 16 (4).
243 Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/ 2009, Kwt. 19 (1).
244 Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/ 2009,Kwt.19(2).
245 Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/ 2009,Kwt. 19 (3).

bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa aanaa biratti dhiyaatee galmee abbaa qabiyyeen walqabachuu qaba.

### 2.5.2. Muuxannoo Naannoo Tigiraay

Tigiraay mootummaalee naannoo federeeshinii[246] biyya kanaa ta'an keessaa ishee tokko. Akka Heera Mootummaa Rippaabbilika Federaalawaa Dimokraatawaa Itoophiyaa (RDFI) tti mootummaan federaalaa seera itti fayyadama lafaa fi qabeenya uumamaa tumuuf aangoo qaba.[247] Gama biraan, naannooleen federeeshinii biyyattii hundeessan ammoo bu'uura seera mootummaan federaalaa baasuun aangoo lafa naanooo isaanii keessatti argamu bulchuu qabu. Kanas bu'uura Heera Mootummaa Rippaablikaa Dimookiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa keewwata 52(2) (d) tiin kan argatani. Akkaatuma heera mootummaa RDFI irratti tumameen mootummaan federaalaa yeroo jalqabaatiif seera bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa abaadiyyaa bara 1997 kan baase yoo ta'u; naannolee heedduunis[248] labsii lafa baadiyyaa mootummaan federaalaa baase irrattii hundaa'uun seera bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa baafachaa turaniru.

Mootummaan Naannoo Tigraayi yeroo jalqabaaf labsii itti fayyadama lafaa bara 1997 kan baafatte[249] yoo ta'u; labsiin bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa fi dambiin itti fayyadama lafa baadiyyaa yeroo ammaa hojiirra jiru kan bara 2007 bahe dha.[250] Labsiin kun dhimmoota akka hanga qabiyyee lafa baadiyyaa isa xiqqaa; fakkeenyaaf namni qonnaan jiraatu tokko yoo xiqqaate lafa hektaara 0.25 ni qabaata.[251] Dambii lafaa Naannoon Tigiraayi baase dambii lakk. 48/2007 hojiirra oolchuuf qajeelfamni bahe ammoo hanga qabiyyee isa guddaa qonnaan bulaan qabaachuu danda'u (maximum holding of farmer's rural land) tumeera.[252] Haala kanaan seerri Naannoo Tigraay dhimma lafaa irratti qabdu kan Naannoo Oromiyaa irraa hanga qabiyyee lafaa qonnaan bulaa dhuunfaaf eeyyamu irratti ta'uu isaati. Akka Naannoo Oromiyaatti

---

[246] Heera Mootummaa RDFI, Kwt. 47(1).
[247] Heera Mootummaa RDFI, Kwt.51(2 (a)
[248] Labsii BIFLB Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak.130/1999; Labsii BIFLB Mootummaa Naannoo Saboota, Sablammootaafi Uummattoota Itoophiyaa Lak 110/2007); Labsii BILB Mootummaa Naannoo Amaaraa Lak. 133 / 2006; Labsii BIFLB Mootummaa Naannoo Tigiraay Lak. 136/2007 fa'aa akka fakkeenyaatti tarreessuun ni danda'ama.
[249] Labsii BIFLB Mootummaa Naannoo Tigiraay Lak. 23/1997
[250] Labsiiwwan BIFLB Mootummaa Naannoo Tigiraay dhiyeenya kana fooyyaa'an: Labsii Lak. 136/2007 fi Labsii Lak. 48/2007 dha.
[251] Labsii BIFLB Mootummaa Naannoo Tigiraay Lak.136/2007, Kwt. 18.
[252] As said by Habtoom, article 19.1.1 of the Directive No 001 sets ten hectare as an amount of land which will serve as demarcating line between an investor and peasant in Western Zone of Tigray regional state.

labsiis, dambiis ta'e qajeelfamni lafaa hanga qabiyyee lafa baadiyyaa isa guddaa hin teechisne. Akka Naannoo Tigiraayitti garuu qonnaan bulaaf qabiyyeen lafaa inni guddaan hektaara 10 ta'uu isaati.

Tumaaleen labsii fi dambii bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa badiiyyaa olitti ibsamanii kun akkaataa waldhabbiin lafa irratti ka'u ittiin hiikamus teechisaniiru. Akka Naannoo Tigraayitti waldhabbiin lafa baadiyyaa irratti yoo ka'e dursa namootni waldhaban karaa aadaa jiruun waldhabbii isaanii akka furatan jajjabeeffamu.[253]Yoo karaa aadaatiin waldhabbii isaanii furachuu dadhaban ammoo labsiin lafa baadiyyaa Naannichaa aangoo dhimma lafaa ilaaluu isa jalqabaa bulchiinsa gandaa keessatti koree dhimma lafaa akka ilaaluuf dhaabbateen akka ilaalamu ta'a.[254] Kanarraa akka hubannutti,Naannoo Tigiraayitti falmiin lafaa gara mana murtii idilee dhufuun dura karaa gandaa kan ilaalamu ta'uu isaati. Murtiiwwan karaa aadaatiin kennamanis ta'e, kan karaa koree bulchiinsa gandaa keessatti dhimma lafaa ilaaluuf dhaabbateen kennaman akkuma murtii mana murti idileen kennameetti raawwatamummaa akka qabu labsiin lafa baadiyyaa Naannichaa tumeera.[255]

Naannoo Tigiraayitti manni murtii idilee sadarkaa jalqabaa (regular first instance court) dhimma lafa baadiyyaa akka ol'iyyataatti dhagaha.[256] Dambiin lafa baadiyyaa Naannichaa dambiin lakk. 48/2007 kwt 48 (9) hanga yeroo manni murtii idilee dhimma lafaa bifa ol-iyyannootiin murtoo qaamni abbaa seerummaa ganda irratti dhimma lafa baadiyyaa ilaaluuf hundaa'e murteesse guyyoota 30 keessatti ilaalee murtii akka itti kennu teechisa.[257]

Labsii fi dambiin lafa baadiyyaa mootummaa naannoo Tigiraay dhimma lafaa ilaalchisee dursa hawaasni waldhabbii isaa yoo danda'e karaa tooftaaalee hiikkaa waldiddaa hawaasa keessatti beekamaniin akka xumuratan jajjabeesa. Garuu hiikkaan waldiddaa lafa irratti ka'u karaa aadaan akka xumuramu jajjabbeessuu irra darbee dirqamaan namni kamiyyuu dhimma isaa karaa aadaan xumurachuu qaba jechuun dirqama hin taasifne. Gama biraan, akka dirqamaatti kan labsii fi dambiin lafa baadiyyaa Naannichaa teechise, dhimmi lafaa jalqaba irratti iddoo qaama abbaa seerumma dhimma lafa baadiyyaa akka ilaaluuf gandatti hundaa'een ilaalamuu akka qabu tuma. Habtoom Tasfaayee dhimma hiikkaa waldiddaa lafaa Naannoo Tigraay Humaraa akka

---

[253] Haftom Tesfay, Rural Land Dispute Settlement Mechanisms in Tigray: The Case of Humera, 2011, F.67.
[254] Labsii BIFLB Mootummaa Naannoo Tigiraay Lak. 136/2007, Kwt. 28.
[255] Labsii BIFLB Mootummaa Naannoo Tigiraay Lak. 136/2007, Kwt. 28 (3).
[256] Haftom Tesfay, Olitti yaadannoo lak.253, F71
[257]Haftom Tesfay, Akkuma 256[ffaa].

fakkeenyaatti fudhachuun gaggeese irratti adeemsi qaama abbaa seerummaa qaama raawwachiistuu jalatti hundeessuun dhimma lafaa akka hiikan gochuu barbaachisaa akka hin taane agarsiisera.[258] Yaada isaa akka gadiitti ilaaluun ni danda'ma:

> *Without forgetting to mention the partiality issue, even in terms of efficiency there is no need to establish other rural land tribunal at each Kebele level. The average time that the committee consumes to dispose a single case cannot be as short as the private dispute settlement could take. Besides private adjudication process is flexible and implements party focusing procedure other than rigid and written procedural laws of the state. It provides party based solution and with particular attention to the parties' future relationship. Above all it is not uncommon to see the rural community of Tigray region resolve even severe criminal offences with the help of mediators.*[259]

Kana irraa sirni hiikkaa waldhabbii lafa baadiyyaa irratti ka'uu kan Naannoo Tigraay gaarii akka hin taanetu hubatama. Qorannuma sana keessatti wantoota waldhabbii lafaaf sababa ta'an keessaa tokko lafti haala barbaadamuun kan hin galmaa'iin ta'uu akka ta'etti ka'eera.[260]

Walumaagalatti, Naannoo Tigiraay irraa waldhabbiin lafaa baadiyaa jalqabatti fedhii wal falmitootaa irratti hundaa'uun karaa aadaatiin furachuun kan danda'amu ta'uu; yoo karaa aadaan hin furamne ammoo qaama abbaa seerumma (kind of judicial tribunal) qabu kan bulchiinsa gandaa keessatti dhaabbatuun kan muraa'u ta'ee manni murtii idilee sadarkaa jalqabaa dhimma falmii lafaa bifa ol'iyyannoon kan ilaalu ta'uu hubanna. Gama biraatiin hangi qabiyyee lafaa qonnaan bulaa dhuunfaatiif inni xiqqaas ta'e, guddaan seeraan kan tumamee jiru ta'uu isaati.

### 2.5.3. Muuxannoo Naannoo Beenishaangul Gumuz

Mootummaan Naannoo Beenishaangul Gumuz bulchiinsaa fi fayyadama lafa baadiyyaa ilaalchisee labsii, danbii fi qajeelfama baasee jira. Seerota bulchiinsaa fi fayyadama lafa baadiyyaa Naannoolee biroo, kan akka Naannoo Oromiyaa wajjin wal bira qabamee yoo

[258] Haftom Tesfay, Akkuma 257ffaa.
[259] Haftom Tesfay, Akkuma 258ffaa, F 70
[260] Haftom Tesfay, Akkuma 259ffaa, F70; Besides the registration program of the region was not completely made in a manner to avoid every potential dispute in the region nor will it be clear enough to serve for the rural land judicial committee as concrete evidence.

ilaalamu gama qabiyyee fi haguuggii dhimmoota bulchiinsaa fi fayyadama lafa baadiyyaa irratti bal'ina (comprehensiveness) kan qabuu fi fooyyee kan qabu dha.

Qabiyyee labsii, danbii fi qajeelfama bulchiinsaa fi fayyadama baadiyyaa Naannoo Beenishaangul Gumuz gama aangoo seera baasuun, dabarsaa fi argannaa lafa baadiyyaatiin, fi waldiddaa lafa baadiyyaa irratti ka'u furuun yoo ilaallu akka armaan gadiitti gabaabsinee dhiyeessuu ykn ibsuu ni dandeenya.

Gama bulchiinsaa fi fayyadama lafa baadiyyaa irratti aangoo seera baasuu ilaalchisee, labsii bulchiinsaa fi fayyadama lafa baadiyyaa Naannoo kanaa seensa irraa kaanee yoo ilaalle, seerri kun kan bahe Heera Naannichaa kwt. 49(3)(1) irratti hundaa'ee akka ta'e ni hubatama.[261] Bu'uura Labsii kana (labsii lakk.85/2002)'tiin immoo danbii fi qajeelfamni bulchiinsaa fi fayyadama lafa baadiyyaa bahee jira. Haala kanaan, labsiin Heera naannichaa bu'uureffatee, danbiin labsicha irratti hundaa'ee, qajeelfamni immoo danbicha bu'uureffachuun kan bahani dha. Kana keessatti labsiin, danbii fi qajeelfamni bulchiinsaa fi fayyadama lafa baadiyyaa Naannoo Beenishaangul Gumuz Heera Naannichaa malee kan Federaalaa irratti hundaa'ee bahuu isaa kan agarsiisu (reference) bakka tokkotti illee hin ibsamne.

Gama kanaan yoo ilaalamu, tumaaleen Heeraa Mootummaan Federaalaa dhimmoota lafaa fi qabeenya uumamaa biroo irratti seeraa ni baasa; naannoleen immoo bu'uura seera federaalaa kanaan nu bulchu jedhamee jiru raawwii fi qabatamni isaa akkamiin ilaalama kan jedhu dhimma falmisiisaa ta'uu danda'a.

Labsii, danbii fi qajeelfamni bulchiinsaa if fayyadama lafa baadiyyaa Naannichaa qajeeltoowwan sirna bulchiinsa lafaa (principles of land governance) warra jedhaman keessaa muraasa haguuguuf yaaleera. Isaan keessaa akka fakkeenyaatti kaasuun kan danda'amu hirmaannaa uummataati. Haaluma kanaanis, sirni bulchiinsa lafa baadiyyaa Naannichaa hirmaannaa uummataa irratti kan hundaa'e dha.[262] Akkasumas, karoorri fayyadama lafaa (land use plan) kunuunsa naannoo giddu galeessa kan godhate ta'uu akka qabu tumameera.[263] Lafa qooduun yeroo raawwatamutti dubartootaaf, dargaggootaaf, namoota qaamaan miidhamoo ta'aniif,

[261] Labsii BIFLB Naannoo Beenishaangul Gumuz Lak.85/2002
[262] Labsii BIFLB Naannoo Beenishaangul Gumuz Lak.85/2002, Kwt.5(5)
[263] Labsii BIFLB Naannoo Beenishaangul Gumuz Lak.85/2002, Kwt.5(6)

ijoollee abbaa fi haadha hin qabneef, dursi akka kennamuuf hojmaanni ni diriirfama.[264] Gama kanaan, xiyyeeffannoo labsichi kutaalee hawaasaa miidhamoo fi fedhiin fayyadama lafaa olka'aa ta'e adda baasuun addatti dursi akka taasifamuuf godhe kan jajjabeeffamu dha. Kana gochuu keessatti fayyadamni lafa baadiyyaa karaa haqummaa qabuu fi hunda fayyadamaa taasisuun hojiirra ooluu akka danda'u yaaliin taasifameera jechuun ni danda'ama.

Akkaataa seerota bulchiinsaa fi fayyadama lafa baadiyyaa Naannichaatiin, lafti karaalee adda addaatiin argamuu fi darbuu akka danda'u tumameera. Qotee bulaan Naannicha keessa jiraatu kamiyyuu loogummaa tokko malee qabiyyee lafa baadiyyaa argachuuf mirga ni qabaata.[265]Haa ta'u malee qotee bultoonni karaa seeraan alaa daangaa Naannichaa keessa galanii fi garaa fuulduraattisseeraan kan galan mirga qabiyyee lafa baadiyyaa akka hin qabne tumameera.[266]Kunis qubannaa fi qabannaa seeraan alaa Naannicha keessatti yeroo yeroon taasifamu xiqqeessuuf ykn hambisuuf gahee guddaa qaba. Tumaan Labsii kun kan hiikkaa Afaan Inigilizii immoo qubannaa fi qabannaan seeraan alaa otoo labsiin kun bahiin dura taasifamaa ture illee wabii eegumsa seeraa akka hin qabne ifatti tumeera.[267]Mirgi qabiyyee ykn fayyadama lafa baadiyyaa qotee bulaa yeroodhaan akka hin daangeffamne labsicihi ifatti eegumsa seeraa taasiseera.

Argannaa qabiyyee fi fayyadama lafa baadiyyaa ilaalchisee eenyu eenyutu mirga kana qabaachuu akka danda'u seeronni lafa baadiyyaa Naannichaa (labsii, danbii fi qajeelfamni) tarreessanii kaa'aniiru. Haaluma kanaan, qonnaan bulaa kamiyyuu Naannicha keessa jiraatu, kan umuriin isaa/ishee waggaa 18 ta'e; ijoollee umriin isaanii waggaa 18 hin guunne kan dhaaltummaa warraa hin qabne karaa guddiftuu (guardian) akka fayyadamaniif; namoota magaalaa keessa jiraatanii garuu maddi galii isaanii hojii qonnaa irraa argamu; abbootii qabeenyaa hojii investmentii keessatti hirmaatan; fi dhaabbilee mootummaa fi mti mootummaa, jaarmiyaalee hawaasaa fi dinagdee (kaayyoo misoomaa isaan itti hundeeffaman irratti hundaa'uun) mirga qabiyyee fi fayyadama lafa baadiyyaa kan argatan ta'u.

Gama biraatiin, labsichi namoota qabiyyee fi fayyadama lafa baadiyyaa Naannicha keessatti argachuu dandeenye kaa'eera. Addumatti immoo hojjetaan mootummaa lafa baadiyyaa bilisaan

[264] Labsii BIFLB Naannoo Beenishaangul Gumuz Lak.85/2002, Kwt 5(7)
[265] Labsii BIFLB Naannoo Beenishaangul Gumuz Lak.85/2002, Kwt.5 (2).
[266] Labsii BIFLB Naannoo Beenishaangul Gumuz Lak.85/2002, Kwt.5 (3)
[267] "Notwithstanding the provision stated under sub-article 2 of this article, any peasant who occupied prior to this proclamation and will occupy land illegally shall have no holding right."

argachuuf mirga akka hin qabne ifatti tumameera.[268] Asitti kan gaaffii kaasuu danda'u hojjetaan mootummaa lafa baadiyyaa bilisaan argachuu hin danda'u yeroo jedhu, kallatii biraatiin yoo ilaalamu immoo kaffaltiidhaan hoo mirga qabiyyee fi fayyadama lafa baadiyyaa argachuu ni danda'aa? kan jedhu sammuu keenya keessa deddeebi'uu danda'a. Gaafiin kun seerota bulchiinsaa fi fayyadama lafa baadiyyaa naannolee biraa fi federaalaa keessattillee hanga ammaatti ka'aa waan jiranuuf dhimma of danda'ee ilaalamu ta'a.

Gabaabumatti, mirgi qabiyyee fi fayyadama lafa baadiyyaa kennaa mootummaa irraatiin, dhaaltummaadhaan, kennaadhaan (maatii irraa), liizii, fi waliigaltee kiraatiin argamuu akka danda'u ifatti kaa'ameera.[269] Karaalee fi maloonni qabiyyee fi fayyadamni lafa baadiyyaa ittiin argaman kan seerichaan beekamtii fi eegumsi taasifame kanuma yoo ta'u, namni kamiyyuu lafa baadiyyaa karaalee seeraan alaatiin qabatee ykn fayyadamee yoo argame laficha akka gadhiisu taasifamuudhaan seeraanis ni gaafatama.[270] Tokko tokkoon karaalee mirgi qabiyyee fi fayyadama lafa baadiyyaa ittiin argamuu fi/ykn darbuu danda'u ulaagaa, adeemsaa, fi foormii isaanii ilaalchisee labsii, danbii fi qajeelfamni Naannichaa adda adda baasee tarreessee kaa'eera.

Fakkeenyaaf, dhaaltummaa, kennee fi kiraa ilaalchisee qonnaan bulaan mirga qabiyyee fi fayyadama lafa isaa namootaa fi ulaagaa seerichaan kaa'ame keessatti dabarsuuf mirga akka qabu tokko tokkoon kaa'ameera.[271] Qonnaan bulaan miseensa maatii keessaa kan qonnaan bulu ykn qonnaan buluuf barbaaduuf lafa isaa dhaalchisuu ni danda'a.[272] Kun immoo mirga qabiyyee fi fayyadama lafa baadiyyaa dhaamoodhaan dabarsuus ni dabalata. Haa ta'u malee, dhaamoo fi dhaaltummaan haala kanaan taasifamu dantaa daa'ima gaa'ila hin geenye, dhaaltummaa keessaa buqqisuu fi haadha ykn abbaawarraa irratti miidhaa kan finne ta'uu qaba. Kun daangaawaan (restrictions) mirga qonnaan bulaan mirga qabiyyee fi fayyadama lafa baadiyyaa dabarsuuf qabu irratti kaa'aman keessaa isaan muraasa. Namoonni jireenya baadiyyaa mo'achuuf magaalaa keessaa hojii galii gadi aanaa argamsiisan hojjechaa magaalaa keessa taa'an akka qotee bulaatti akka lakkaa'amanii fi mirga qabiyyee fi fayyadama lafa baadiyyaa warra dhaaluu akka qaban seerichi tumeera.

---

[268] Labsii BIFLB Naannoo Beenishaangul Gumuz Lak.85/2002, Kwt.6 (9).
[269] Labsii BIFLB Naannoo Beenishaangul Gumuz Lak.85/2002, Kwt.7
[270] Labsii BIFLB Naannoo Beenishaangul Gumuz Lak.85/2002,Kwt.8 (10)
[271] Labsii BIFLB Naannoo Beenishaangul Gumuz Lak.85/2002, Kwt.16
[272] Labsii BIFLB Naannoo Beenishaangul Gumuz Lak.85/2002, Kwt.17

Mirga fayyadamaa fi qabiyyee lafa baadiyyaa kennaadhaan dabarsuu ilaalchise seeronni lafa baadiyyaa Naannichaa namoota kennaa kana aragchuuf mirga qabanii fi ulaagaawwaan barbaachisa lafa kaa'eera.[273] Haala kanaanis, qonnaan bulaan mucaa isaaf , mucaa mucaa isaaf, ykn miseensa maatii kan biraa hojii qonnaatiin bulu ykn buluu barbaaduuf, jiraataa Naannichaa kan ta'e, lafa homayyuu kan hin qabne ykn  akka qoodinsa lafaa duraatiin lafa xiqqaa qabaachuu irraa kan ka'e kireeffatee kan qotaa tureef; otoo waliigaalteen kennaa hin mallatteeffaamiin waggaa sadan duraa lafa isaa qotee ykn hojii biraa hojjechaa abbaa qabiyyee lafaa kana bilisaan kan xooraa tureef kennuu ni danda'a. Akkasumas, abbaan qabiyyee lafa baadiyyaa kamiyyuu mirga qabiyyee lafa isaa miseensa maatii dhaabbiidhaan hojii qonnaa irratti hundaa'uu brabaaduuf kennuu ni danda'a. Itti dabalees, yeroo murtaa'aa ta'eef mirga fayyadama lafa baadiyyaa nama kamiifiyyuu kennuuf mirga ni qabaata.

Foormii waliigaltee kennaa qabiyyee fi fayyadama lafa baadiyyaa ilaalchisee waliigaltichi barreeffamaan ta'uu akka qabuu, fi afaaniin taasifamuun seera duratti fudhatama akka hin qabne, akkasumas, waliigalteen kun abbaa taayitaa bulchiinsa fi fayyadama lafa baadiyyaa aanaa bakka lafichi jirutti dhiyaatee galmeeffamuu akka qabu tumameera.

Waliigalteen kiraa lafa baadiyyaas walta'iinsa (agreement) haadhawarraa fi abbaawaraatiin raawwatamuu akka qabu; namni hojii qonnaan buluu barbaadu kamiyyuu fayyadama lafa baadiyyaa kiraadhaan fudhachuu akka danda'u; waliigalteen kiraa qabiyyee fi fayyadama lafa baadiyyaas barreeffamaan ta'ee abbaa taayitaa bulchiinsaa fi fayyadama lafa baadiyyaa aanaa birratti galmeeffamuu akka qabu; waliigalteen kiraa lafaa kunis kan hoogganamu tumaalee seera sivilii rogummaa qabaniin akka ta'e; waliigalteen kiraa lafaa kan taasifamu qonna aadaaf waggaa lamaaf, qonna ammayyaaf immoo waggaa kudhaniif akka ta'e labsii, danbii fi qajeelfama keessatti tumameera.[274]

Dabarsa qabiyyee lafa baadiyyaa wajjin walqabatee dhimmi akka muuxannoo gaariitti bulchiinsa lafaa Naannoo kana irraa fudhatamuu qabu waliigaltee waljijjiirraa lafaati. Namni kamiyyuu mirga qabiyyee lafa baadiyyaa waljijjiiruu akka danda'uu if waliigalteen kunis seera qabeessa ta'uu kan danda'u abbaa taayitaa bulchiinsa lafa baadiyyaa aanichaatti dhiyaatee yoo galmeeffame akka ta'e danbii bulchiinsaa fi fayyadama lafa baadiyyaa Naannichaa keessatti

[273] Labsii BIFLB Naannoo Beenishaangul Gumuz Lak.85/2002 , Kwt.17
[274] Labsii BIFLB Naannoo Beenishaangul Gumuz Lak.85/2002, Kwt.19

tumameera.[275] Waliigalteen waljijjiirraa qabiyyee lafa baadiyyaa haala kanaan taasifamus standard bal’ina lafaa cittuu (parcel) tokkoo murtaa’ee gadi ta’uu akka hin qabne danbichi daangesseera.

Argannaa fi darbasa qabiyyee fi fayyadama lafa baadiyyaa qofa otoo hin taane karaaleen mirgoonni kun ittiin dhabamuu danda’anis seericha keessatti tumameera. [276] Haala kanaan, namni hojii qonnaan alatti hojii biraarratti bobba’ee fi galii dhaabbataa argatu lafa baadiyyaa bilisaan argachuu hin danda’u (ni dhaba); lafa inni jiru kan hin beekamnee fi lafa isaa otoo hin kireessiin ykn nama isaaf bulchu otoo hin muudiin waggaa sadii fi sanaa oliif walitti fufee kan badee fi baduu isaas qaama seeraan aangoo qabuun kan beeksifame yoo ta’e; sababa gahaa malee lafa qonnaa waggaa sadiif, lafa jallisii immoo waggaa lamaaf walitti fufee faayidaa irra otoo hin oolchiin yoo hafe; laficha kunuunsuu dhabuu irraa kan ka’e miidhaa guddaan laficha irra yoo gahe; fi mirga qabiyyee lafichaa fedha isaatiin dhiisuu isaa qaama dhimmi ilaalutti yoo beeksise mirga qabiyyee lafa baadiyyaa ni dhaba.

Sirna bulchiinsaa fi fayyadama lafa baadiyyaa ilaalchisee seeronni Naannichaa dirqamoota kaa’aniiru.[277] Dirqamoota kanneen keessaa muraasini laficha kunuunsuu, naannoo eeguu, fi kaayyoo yaadameef oolchuu,, biqitoota dhaabuu fi warra jiran kunuunsani guddisuu, fi biyyee kunuunsuu dha. Dirqamoonni kunneen akkasumaan kan kaa’aman otoo hin taane karaa gaafatamummaa hordofsiisuu danda’aniin tumamaniiru.[278] Haala kanaan, bulchiinsaa fi fayyadama qabiyyee lafa baadiyyaa irratti namni dirqama isaa hin baane tarkaanfiin adda addaa akka irratti fudhatamu kaa’ameera. Tarkaanfiiwwan kunneenis akeekkachiisa afaanii fi barreeffamaa walitti fufuun ykn walitti aansuun kennuu; kanaan yoo sirreessuu didee fi rakkina ykn dadhabina isaatiin lafa kunuunsuu didee laficharra miidhaan kan gahe yoo ta’e namni biraan laficha akka kunuunsuuf mirgi qabiyyee isaa yeroof kiraadhaan gara nama biraa kanatti akka darbuuf ni murteeffama; Mirgi inni lafa isaa irratti qabu ugguramee hamma beenyaa malee lafa isaa dhabutti murtaa’uu; miidhaa laficha irra geesiseef bu’uura seera siviliitiin beenyaa akka kaffalu dirqamuu akka qabu tumameera.

[275] Danbii BIFLB Naannoo Beenishaangul Gumuz Lak.85/2002, Kwt.8
[276] Labsii BIFLB Naannoo Beenishaangul Gumuz Lak.85/2002, Kwt.13
[277] Labsii BIFLB Naannoo Beenishaangul Gumuz Lak.85/2002, Kwt.22
[278] Labsii BIFLB Naannoo Beenishaangul Gumuz Lak.85/2002, Kwt.23

Dhimmi biraan kana wajjiin walqabatee ka'uu qabuu fi akka muuxannoo gaariittis fudhatamu seerichi namoota dirqama itti kenname bahuu didan irratti tarkaanfii fudhachuu qofa otoo hin taane namoonni sirna bulchiinsaa fi fayyadama lafa baadiyyaa keessatti dirqama isaanii sirriitti bahuudhaan fakkeenya ta'an akka badhaafaman kaa'eera. Haala kanaan abbootii qabiyyee lafa baadiyyaa lafa kunuunsuudhaan adda duree ta'an abbaan taayitaa bulchiinsaa fi fayyadama lafa baadiyyaa badhaasaa fi onnachiiftuu ni kennaaf.

Sirna bulchiinsaa fi fayyadama klafa baadiyyaa wajjin walqabatee dhimmi ilaalamuu qabu inni biraa fi murteessaan akkaataa waldiddaan ykn falmiin lafa baadiyyaa ittiin furmaata argatu dha. Tumaaleen labsii, danbii fi qajeelfama lafa bulchiinsaa fi fayyadama lafa baadiyyaa Naannoo kanaa akkaataa ykn adeemsa waldiddaan qabiyyee fi fayyadama lafa baadiyyaa irratti ka'u ittiin furamuu danda'uu tumaniiru.[279]Falmiin ykn waldiddaan qabiyyee ykn fayyadama lafa baadiyyaa ilaalchsie ka'u kamiyyuu jaarsummaan ilaalamee araaraan akka xumuramuuf yaaliin ni taasifama. Filannoon jaarsolii araaraa fi akkaataan araarichi itti raawwatamu bu'uura aadaa naannoo isaanii irratti hundaa'uun waliigaltee abbootii dhimmaatiin raawwatama. Haala kanaan furamuu yoo dadhabe akka amala dhimmichaatti gara mana murtiitti geeffamee ykn qaama bulchiinsa abbaa taayitaa aanaa biratti dhiyaatee ragaaleen jiran ilaalamanii furmaanni kan kennamu ta'a. Adeemsaa fi sirni waldiddaan lafa baadiyyaa jaarsummaan ittiin furamuu danda'u ilaalchisee Qajeelfamni Bulchiinsaa fi Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannichaa ktw.72-82 jalatti bal'inaan tumeera.

#### 2.5.4. Muuxannoo Naannoo Saboota, Sablammootaafi Uummattoota Kibbaa

Naannoo Saboota, Sablammootaafi Uummattoota Kibbaatti bulchiinsiifi itti fayyadamni lafa baadiyyaa labsii lak.110/1999'n hooggana. Labsii kana raawwachiisuufisdambiin lak.66/2000 bahee jira.Labsiin kun kutaalee afuriifi keewwattoota digdama of keessaa qaba.Haaluma kanaan,tumaalee waliigalaa irraa eegaluun dhimmoota mirga argannaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa, lafa baadiyyaa qawwisuu, galmeessuu fi waraqaa ragaa mirkaneessa qabiyye lafaa kennuu, haala mirgi itti fayyadama lafa baadiyyaa raggaa'ee itti turu, mirgoota abbaa qabiyyeefi dirqamoota qabu, akkaataa falmiin lafa baadiyyaa itti hiikamu fi karooraa fi itti fayyadama lafaa of keessatti hammateera.

[279] Labsii BIFLB Naannoo Beenishaangul Gumuz Lak.85/2002 kwt, 34, danbii kwt.33, qajeelfama kwt.72-82

### A) Mirga Argannaa fi Itti Fayyadama LafaBaadiyyaa

Qonnaan bultoonni, gamisa horsiisee bultoonnii fi horsiisee bultoonni lafa baadiyyaa bilisaan argachuu fi itti fayyadamuuf mirga akka qaban labsiin kun tumeera.[280] Kana malees, namni kamiyyuu umuriin isaa waggaa 18 ol ta'eef hojii qonnaatiin buluuf kan barbaadu mirga lafa baadiyyaa argachuu ni qaba.[281] Akkasumas, dubartoonni, dargaggoonni baadiyyaa hojii qonnaatiin buluu barbaadan lafa waliinii naannoo sana jiru yookiin mootummaa irraa lafa argachuu fi itti fayyadamuuf mirga ni qabu.[282]Abbaan warraa fi haati warraas qabiyyee isaaniitti fayyadamuuf mirga wal-qixa qabu.[283] Dubartoonni abbaan warraa isaanii hojii mootummaa yookiin hojii biraa irratti boba'anii jiran mirga qabiyyee isaaniitti fayyadamuu akka qaban tumuun labsichi mirga dubartootaaf xiyyeeffannoo kenneera.[284]Mirga daa'imman abbaa fi haadha hin qabnees akkaatuma mirga kanneen biroof kennee jiruun, daa'immaa maatii isaanii du'aan yookiin haala biraan dhabanii jiranii fi umuriin isaanii hanga waggaa 18 guututti qabiyyee isaanii karaa guddistoota isaanii itti fayydamuu mirga ni qabu jechuun tumeera.[285]Dabalataan, sababa abbaan ykn haati isaanii iddoo biroo jiraataniif ykn du'aan adda ba'aniif daa'imman mirga qabiyyee maatii isaanii akka hin dhabne labsichi tumeera.[286]

### B) Lafa Baadiyyaa Qawwisuu, Galmeessuu fi Waraqaa Ragaa Mirkaneessa Qabiyyee Lafaa Kennuu

Labsiin bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa naannoo Sabootaa, Sablammootaafi Uummattoota Itoophiyaa lafa qabiyyee dhuunfaa, qabiyyee mootummaa fi mit-mootummaa jala jiru meeshaalee qawwisaa kan aadaafi ammayyaa fayyadamuun ni safarama.[287]Maappiin kadastiraalaa daangaa agarsiisu kan kennamu yommuu ta'u, waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa bal'ina lafaa, itti fayyadamaafi uwwisa, sadarkaa gabbina, akkasumas mirgaafi dirqama abbaa qabiyyee agarsiisu qophaa'ee ni kennama.[288]Waraqaan ragaa abbaa qabiyyee nama dhuunfaaf, abbootii qabiyyee waliiniif, dhaabbilee mootummaaf, dhaabbilee miti-

[280] Labsii BIFLB Naannoo Saboota fi Sablammootaa fi Uummattoota Kibbaa, Kwt.5(1)
[281] Labsii BIFLB Naannoo Saboota, Sablammootaa fi Uummattoota Kibbaa, Kwt.5(2)
[282] Labsii BIFLB Naannoo Saboota, Sablammootaa fi Uummattoota Kibbaa, Kwt.5 (3-4)
[283] Labsii BIFLB Naannoo Saboota, Sablammootaa fi Uummattoota Kibbaa, Kwt.5 (6)
[284] Labsii BIFLB Naannoo Saboota, Sablammootaa fi Uummattoota Kibbaa, Kwt.5 (7)
[285] Labsii BIFLB Naannoo Saboota, Sablammootaa fi Uummattoota Kibbaa, Kwt.5 (8)
[286] Labsii BIFLB Naannoo Saboota, Sablammootaa fi Uummattoota Kibbaa, Kwt.5 (9)
[287] Labsii BIFLB Naannoo Saboota,Sablammootaa fi Uummattoota Kibbaa, Kwt.6 (1).
[288] Labsii BIFLB Naannoo Saboota,Sablammootaa fi Uummattoota Kibbaa, Kwt.6 (2-3).

mootummaaf kennamuu ni danda'a.[289] Lafa uummanni waliin itti fayyadamuufis waraqaan ragaa maqaa hawaasa lafichatti fayyadamuun qophaa'ee waajjira bulchiinsa gandaa taa'uu akka qabu labsichi ni akeeka.[290]

Gabaabumatti, labsichi ragaan lafaa sirnaan qindaa'ee galmaa'uun waraqaan ragaa sana mirkaneessus kennamuu akka qabu ni ibsa. Abbaan qabiyyee fedhii isaatiin mirga itti fayyadamaa qabu yoo dhiise waraqaa ragaa sana deebisuuf dirqama qaba.[291] Kun ammoo murtiiwwan bulchiinsaa murteessuufis ta'e falmiiwwan manneen murtiitti lafaan walqabatanii dhiyaatan hiikuuf gumaachaa ol'aanaa akka qabu beekamaa dha.

**C) Dabarsa Mirga Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa**

Abbaan qabiyyee tokko mirga itti fayyadamaa qabu karaa kiraa, dhaalaafi kennaandabarsuuf mirga qaba.[292] Haaluma kanaan, abbaan qabiyyeehaala qabiyyee isaa irraa hin buqqifneen qabiyyee isaa qonnaan bultootaafis ta'e investerootaaf kiraan dabarsuu ni danda'a.[293]Turtiin yeroo kiraas seeraan daanga'ee jira. Qonnaan bulaan qonnaan bulaa biraaf hanga waggoota shaniitti;qonnaan bulaan investeraaf hanga waggoota kudhaniittiifi investeroota midhaan dhaabbataa oomishaniif ammoo hanga waggoota digdamii-shaniitti kireessuu danda'a.[294] Waliigalteen kiraa lafaa barreeffamaan ta'ee galmaa'uu akka qabuufi fedhiin maatii lafa kireeffamutti fayyadamuuf mirga qaban argachuu akka qabu labsichi tumeera.[295]

Karaan biraa mirgi itti fayyadama lafa baadiyyaa itti darbu dhaalaani dha. Haaluma kanaan, abbaan qabiyyee tokko miseensa maatii isaaf dhaalaan dabarsuuf mirga qaba.[296] Miseensa maatii jechuun ammoo labsicha kwt. 2(7) jalatti akkaatuma labsii federaalaa keessatti hiikameen nama kamuu dhaabbiidhaan galii abbaa qabiyyee qooddachuun abbaa qabiyyee waliin jiraatu jechuu akka ta'e hiikameera.

Mirgi abbaa qabiyyummaa lafaa kennaadhaanis darbuu danda'a. Haaluma kanaan, abbaan qabiyyee tokko nama miseensa qonnaan bulaa, gamisa-horsiise bulaa ykn horsiisee bulaa ta'eef

---

[289] Labsii BIFLB Naannoo Saboota, Sablammootaa fi Uummattoota Kibbaa,Kwt. 6 (4-11).
[290] Labsii BIFLB Naannoo Saboota, Sablammootaa fi Uummattoota Kibbaa, Kwt.6 (12)
[291]Labsii BIFLB Naannoo Saboota, Sablammootaa fi Uummattoota Kibbaa, Kwt.10 (4)
[292] Labsii BIFLB Mootummaa Naannoo Saboota, Sablammootaafi Uummattoota Kibbaa, Kwt.8
[293] Labsii BIFLB Mootummaa Naannoo Saboota, Sablammootaafi Uummattoota Kibbaa, Kwt.8 (1)
[294] Labsii BIFLB Mootummaa Naannoo Saboota, Sablammootaafi Uummattoota Kibbaa, Kwt.8(1)(a-c).
[295] Labsii BIFLB Mootummaa Naannoo Saboota, Sablammootaafi Uummattoota Kibbaa, Kwt.8(2)
[296] Labsii BIFLB Mootummaa Naannoo Saboota, Sablammootaafi Uummattoota Kibbaa,Kwt.8(5)

kennaan dabarsuu ni danda'a.[297]Dabarsa mirga itti fayyadamaa waliin qaphxiin biroo hidhata qabu waa'ee dabarsa mirga qabeenyaa laficha irratti horatame dabarsuu dha. Kana ilaalchisee abbaan qabiyyee humnaafi maallaqa isaa dhangalaasuun qabeenyaa laficha irratti horate qaama biraa seera qabeessa ta'e kamiifuu gurgurtaan,jijjiirraan,kennaan,dhaalaafi wabiin qabsiisuun dabarsuu akka danda'u labsiin tumeera.[298]

**D) Lafa Baadiyyaa Irra Deebiin Qooduu (Re-allocation of Rural Land)**

Labsii Bulchiinsaa fi Itti fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Sabaa fi Sab-lammoota Ummattoota Kibbaatti keessatti ta'ee jiruun abbootiin qabiyyee lubbuun hin jirree fi dhaaltota kan hin-qabne yookiin qubannaadhaan yookiin fedhii isaaniitiin yeroo murtaa'ee olitti naannicha gad-lakkisanii kan turan yoo ta'e, qabiyyeen isaanii namoota lafa hin qabneef yookiin qonnaan bultoota, gamisa horsiisee bulaa fi horsiisee bultoota lafa hin qabneef ykn lafti itti xiqqaateef irra deebiin kennamuu akka danda'u tumeera.[299]Labsiin bulchiinsaafi itti fayyadama naannoo Oromiyaa tumaa akkasii of keessaa hin qabu. Kana irraan kan ka'e abbootiin qabiyyee sababa qubannaatiin iddoo biraa qubatan bakka deeman yeroof dhufuuf qabiyyeen duraan qaban kanuma isaanii ta'ee akka itti fufutti ilaaluun gaaffii dhiyeessan ni mul'ata.

Lafti jallisii dhaabbilee mootummaafi miti-mootummaan misoomes qonnaan bultoota, horsiisee bultootaafi gamisa horsiisee bultootaaf haala haqummaa fi madaalawummaa isaa eeggateen irra deebiin qoodamuu akka danda'uufi gadi fageenyi isaa ammoo dambii bahuun akka murtaa'u labsichi tumeera.[300] Dabalataan lafti namoota dhuunfaan hin qabamiin jiruufi hojii qonnaaf ooluu danda'u dargaggoota hojii dhabeeyyii ta'aniifi qonnaan bultoota lafa qotisaa xiqqaa qabaniif irra deebiin qoodamuu akka danda'us labsichi ni tuma.[301]

**E) Karoora Itti Fayyadamaafi Dirqama Abbaa Qabiyyee**

Karoorri itti fayyadama lafaa gosa biyyee,haala teessuma lafaa, haala qilleensaa, uwwisa biqiltuu fi haala hawaas-dinagdee itti fayyadama bishaanii (water shed approach) jiddu galeessa godhete qophaa'ee hojiirra akka oolu labsichi ni tuma.[302] Haaluma kanaan,bakkeewwan eegumsa

[297]Labsii BIFLB Mootummaa Naannoo Saboota, Sablammootaafi Uummattoota Kibbaa, Kwt.5(11)
[298]Labsii BIFLB Mootummaa Naannoo Saboota, Sablammootaafi Uummattoota Kibbaa, Kwt.8(6)
[299] Labsii BIFLB Mootummaa Naannoo Saboota, Sablammootaafi Uummattoota Kibbaa, Kwt.9 (1).
[300] Labsii BIFLB Mootummaa Naannoo Saboota, Sablammootaafi Uummattoota Kibbaa, Kwt.9(2-3)
[301] Labsii BIFLB Mootummaa Naannoo Saboota, Sablammootaafi Uummattoota Kibbaa, Kwt.9(4)
[302] Labsii BIFLB Mootummaa Naannoo Saboota, Sablammootaafi Uummattoota Kibbaa, Kwt. 13 (1).

biyyeefi bishaaniif daangeffamanittti dheedumsa gadhiisii (free grazing) hayyamuun dhorkaa ta'uu;bulchiinsi lafaa dhondholli is % 30 gadi ta'e akkaataa tarsiimoo eegumsa biyyee fi bishaan kuusuun ta'uu akka qabu, lafa dhondholli isaa %31-%60 ta'e oomisha midhaan waggaaf oolchuuf bo'oo yaa'insaa (bench terraces) qotuun barbaachisaa ta'uu;lafa dhondholli isaa % 60 ol ta'e qonnaafis ta'e dheedichaaf oolchuun kan hin danda'amne ta'uu; lafa biyyeen irraa dhiqame deebi'ee akka danda'amatu gochuun barbaachisaa ta'uu labsichi tumeera.[303] Dabalataan, abbootiin qabiyyee (namootni dhuunfaa, abbootiin qabeenyaa,dhaabbilee mootummaa fi mit-mootummaa) karoorri misooma itti fayyadama lafaa dhiyeessan nageenyaa naannoo kan jeequ ta'uu akka hin qabneefi kana kan godhan yoo ta'e akka itti gaafataman labsichidirqama irra kaa'eera.[304]Dhimmoota kanniin qabatamaan hojiirra oolchuuf ammoo dambii baasuun barbaachisaa akka ta'e labsichi akeekeera.

### F) Falmii Wal-diddaa Lafaa Hiikuu

Akkaataa labsii kanaatti mirga qabiyyee lafa baadiyyaa ilaalchisee,falmiin yeroo ka'u iyyannoon koree bulchiinsaa fi itti fayyadama lafaa gandaaf ni dhihaata. Koreenis fedhii qaamolee wal-falmaniin karaa jaarsolii araaraa filatamaniin ilaalamee araaraa fi walii-galteen akka hiikamu ni taasifama jedhee jira. Kana malees, mirga abbaa qabiyyee ilaalchisee, wal-diddaa lafaa ka'u ilaalchisuun rakkoo kana hiikuun aangoo fi gahee hojii seektara lafaa akka ta'e ibsee jira. Kanaafuu, murtiin jaarsolii araaraa dirqisiisaa ta'uu isaa kan agarsiisu waan ta'eef naannoo keenyattis **murtiin jaarsolii dirqisiisaa akka ta'uu** fi hojii irra akka ooluu; akkasumas, wal-diddaa mirga qabiyyeen walqabatu hiikuu keessatti shoorri seektara lafaa jabaatee mul'achuu qaba.

[303] Labsii BIFLB Mootummaa Naannoo Saboota, Sablammootaafi Uummattoota Kibbaa, Kwt. 13 (2-10).
[304] Labsii BIFLB Mootummaa Naannoo Saboota, Sablammootaafi Uummattoota Kibbaa, Kwt.10(5)

# BOQONNAA SADII

# BULCHIINSAA FI ITTI FAYYADAMA LAFA BAADIYYAANAANNOO OROMIYAA: XIINXALA DAATAA

## 3.1. Aangoo Seera Lafaa Baasuu

Biyya sirna federaalizimiin bultu tokko keessatti qoqqoodinsi aangoo seera baasuu bifa sadiin ibsamuu danda'a: aangoo dhuunfaa (exclusive legislative power), aangoo waliin seera baasuu (shared legislative power) fi aangoo haftee (residual legislative power) dha.[305]Aangoon dhuunfaa dhimmoota mootummaan federaalaa qofti ykn mootummaaleen naannoo qofti seera irratti akka baasaniif addatti Heera Mootummaan aangeffaman jechuu dha.[306]Aangoon waliin seera baasuu dhimmoota mootummaan federaalaa fi mootummaaleen naannoo seera irratti baasuu danda'ani dha. Uumamuma isaanii irraan kan ka'e dhimmoonni mootummaan federaalaa qofti ykn mootummaaleen naannoo qofti seera akka baasaniif hin mijanne ni jiru. Kana irraan kan ka'e mootummaaleen sadarkaa lamaaniyyuu seera akka baasaniif Heeraan ni aangeffamu.Walfakkaatinsi (uniformity) akka biyyaatti akka jiraatuuf mootummaan federaalaa seera akka baasu; garaagarummaa naannolee bira jiru jiddu-galeessa godhachuuf ammoo mootummaaleen naannoo seera baasuu akka danda'an Heerri yoo aangessu aangichi aangoo waliin qoodamu (shared legislative power) ta'a jechuu dha.[307]Aangoo haftee kan jedhamu ammoo aangoo ifatti gulantaa mootummaa tokkoof addatti dhuunfaan hin kennamiin ykn mootummaalee sadarkaa lamaaniif (ykn lamaa ol ta'uu danda'a) walitti hin kennamiin aangoo haftee jedhama. Aangoon haftee kana irratti aangoon seera baasuu kan mootummaa sadarkaa kami ta'uu qaba jedhee kan murteessu heeruma mootummaa dha.

---

[305] Assefa Fiseha, Federalism and the Accommodation of Diversity in Ethiopia (A Comparative Study,2010, 3rd ed.), FF.256-257.

[306] Assefa Fiseha, Akkuma 305ffaa.

[307] Aangoon waliin seera baasuu bifoota lama: kan waliin seera baasuu (concurrent legislative power) fi aangoo seera waliigalaa baasuu (framework legislative power) qaba. Aangoon waliinii (concurrent power) irratti mootummaan federaalaa ykn mootummaaleen naannoo seera baasuu kan danda'u yoo ta'e abbaan dursee baase duguugee seera baasuu danda'a. Aangoon seera waliigalaa baasuu (framework legislative power) bu'uuraan kan mootummaa federaalaati.Mootummaaleen naannoo seera kan baasan erga mootummaan federaalaa seera waliigalaa (framework law baasee booda dha. Seerri federalaan ba'u kun akka aangoo waliinii (concurrent legislative power) dhimmoota hunda duguudguu hin danda'u. Dhimmoonni hedduun naannoleef dhiifamu. Angoo mootummaaleen federaalaafi naannolee waliin qaban (shared legislative power) ilaalchisee carraan walitti bu'insa seerotaa (kan federaalaan ba'eefi kan naannoleen baasan) jiraachuu mala. Walitti bu'insi akkasii yoo uumamu, seerri mootummaa federaalaan ba'u ol'aantummaa akka qabaatu heeronni biyyoota hedduu ni tumu. Haa ta'u malee, Heerri Mootummaa RDFI kana ilaalchisuun calliseera.

Kutaa kana jalatti, aangoon seera lafaa baasuu kan mootummaa federaalaatimoo kan mootummaa naannoodha kan jedhu tumaalee heera mootummaa RDFI, qabatama jiru, muuxannoo biyyoota sakattaaneefi yaadota afgaaffii irraa argaman jiddu-galeessa godhachuun kan xiinxallu ta'a.

Tumaaleen heera mootummaa RDFI gama kanaan rogummaa kallattii qaban kwt. 51(5) fi kwt.52 (2) (d) dha. Seera itti fayyadamaafi kunuunsa (utilization and conservation) lafaafi qabeenyaa uumamaa biroo baasuun aangoo mootummaa federaalaa akka ta'e kwt.51 (5) ifatti ni tuma. Mootummaaleen naannoo ammoo *akkaataa seera mootummaan federaalaa baasuun* kan bulchan ta'uu kwt.52 (2) (d) ni tuma. Waan ta'eefuu, dhimma lafaafi qabeenyaa uumamaa biroo ilaalchisee aangoon seera baasuu fi aangoon bulchiinsaa mootummaa federaalaa fi mootummaalee naannoof walduraa duubaan kan kenname ta'uu ni hubatama.

Akka waliigalaatti yoo ilaalamu, Heerri keenya aangoo bulchiinsaa mootummaalee naannoof dhiisuun isaa sirrii dha. Aangoon bulchiinsa lafaa waaltawaa (center) yommuu ta'u, ragaan lafaa gajjallaatti hedduu hin qabamu. Kun ammoo waliin dha'insi akka baay'atu godha; waldiddaawwan lafaan walqabatanii ka'an hiikuunis ulfaataa dha. Fakkeenyaaf, biyyoota muuxannoon isaanii sakatta'ame keessaa rakkoon akkasii Filippiinsiin mudateera. Burkinaafaasoo keessattis gurmaa'insi sadarkaa gandaatti jiru lafa bulchuu keessatti, keessattuu falmii lafaa hiikuun walqabatee gahee ol'aanaa ba'achaa akka jiru ilaalleerra.

Gaaffiin garuu, mootummaaleen naannoo aangoo bulchiinsaa qofa qabuu? Aangoo seera baasuu tasuma hin qabanii? Tumaa kwt. 52 (2) (d) qofaa isaa jecha, jechaan yoo dubbifne, naannoleen *akkaataa seerota federaalaatiin* lafaafi qabeenyaa uumamaa biroo ni bulchu[308] waan jedhuuf, deebiin gaaffii kanaa 'eyyee' kan jedhu ta'a. Haa ta'u malee, dhimmichi haala waliigalaa bocama sirna federaalizimii fi tooftaa qoodinsa aangoo heerichi diriirse waliin walbira qabuun xiinxaluu barbaachisa.

Saboonni, Sablammoonnii fi Uummattoonni abbootii Heera Mootummaa dha.[309] Aangoo birmadummaa kan qabaniifi guutummaan Heera Mootummaas ibsama aangoo birmadummaa

[308] Heerri mootummaa Naannoo Oromiyaas aangoo mootummaa naannichaa kwt.47 jalatti kan tarreesse yoo ta'u, kanneen keessaa tokko akkaataa seera mootummaan federaalaa baasuun lafaafi qabeenyaa uumamaa biroo bulchuu dha (Kwt.47 ( 2) (c)).
[309] Heera Mootummaa RDFI, Seensa (preamble).

isaaniiti.[310] Abbootii qabeenya lafaa kan ta'anii[311] fi mirga ofiin of bulchuu hanga fottoquutti kan qabani dha.[312] Mirga lafaan hedduu walqabatu mirga misoomuus qabu.[313] Kun kan agarsiisu, Saboonni, Sablammoonnii fi Uummattoonni lafa irraa fedhii guddaa kan qaban ta'uu dha. Fedhii guddaa qaban kana eegsifachuu kan danda'an sadarkaa naannootti lafa irratti mirga seera baasuu yoo qabaatani dha. Seerri sadarkaa federaalaatti ba'u dantaa isaanii sirriitti ni eegsisa jechuuf nama rakkisa. Sababni isaa, dantaa isaanii (Sabootaa, Sablammootaafi Uummattootaa) eegsisuuf gurmaa'insi sadarkaa federaalaatti jiru Mana Maree Federeeshinii dha. Sirna federaalizimii biyya keenyaa keessatti Manni Maree Federeeshinii ammoo aangoo seera baasuu hin qabu waan ta'eef[314], yommuu seerri lafaa ba'u dammaqinaan fedhii isaanii bakka itti ibsatan ta'uu hin danda'u.

Inni biraa, sirna federaalizimii keenya keessatti akkaataa aangoon mootummaa federaalaafi mootummaalee naannoo jidduutti itti qoodame ilaaluu barbaachisa. Mootummaaleen sadarkaa lamaan irra jiran (mootummaa federaalaas ta'e, naannolee) aangoo seera baasuu, seera raawwachiisuufi seera hiikuu qabu.[315] Naannoleen dhimmoota aangoo isaanii ta'an mara irratti aangoo seera baasuu qabu.[316] Aangoon kun bal'ina kan qabu yommuu ta'u, hanga Heera Mootummaa ofii wixineessuu, mirkaneessuu fi fooyyeessuu dabalata.[317] Mootummaaleen sadarkaa lamaan irratti argaman aangoo walii kabajuu akka qabaniifi inni tokko aangoo isa biraa keessa seenuu akka hin qabnes tumameera.[318] Kun kan agarsiisu, tooftaan qoodinsa aangoo sirna federaalizimii keenyaa akka qajeeltootti tooftaa qoodinsa aangoo waltarree (dual approach) ta'uu dha. Tooftaan kun kan filatameef mirga ofiin of bulchuu naannolee (Sabootaa, Sablammootaafi Uummattootaa) caalaatti eegsisuuf yaadamee akka ta'e hayyoonni toora kanatti dhageettii qaban ni ibsu.[319] Mirgi ofiin of bulchuu Saboota, Sablammootaafi Uummattootaa ammoo guutuu kan ta'u lafa irratti murteessuu yoo danda'ani dha.Waan ta'eefuu, seera lafaa mootummaan

---

[310] Heera Mootummaa RDFI, kwt.8
[311] Heera Mootummaa RDFI, Kwt. 40
[312] Heera Mootummaa RDFI, Kwt.39
[313] Heera Mootummaa RDFI, kwt.44.
[314] Habib Jemal, A Critical Assessment on Provisions of the Federal Constitution of Ethiopia with Regard to Federal Regional Governments Relationship on Land Law, Joornaalii Seeraa Oromiyaa, Jiil.9, Lak.1, FF70-71
[315] Heera Mootummaa RDFI, kwt. 50 (2).
[316] Heera Mootummaa RDFI, kwt.50 (5)
[317] Heera Mootummaa RDFI, kwt.50 (5)
[318] Heera Mootummaa RDFI, kwt.50 (8)
[319]Assefa Fiseha, Ethiopia's Experiment in Accommodating Diversity: 20 Years' Balance Sheet, Regional and Federal Studies (2012), 22:4, 435-473, F446.

federaalaa baasee naannoleen ammoo haa raawwachiisu jechuun tooftaa qoodinsa aangoo waltarree kana waliin hin deemu.

Mootummaaleen naannoo lafa ilaalchisee aangoo seera baasuu qabu moo hin qaban ijoo jedhu ilaalchisees Gumiin Calaltuu Heera Mootummaa RDFI (CCI) murtii kenneera. DhimmaBiyaadigiliny Melles fa'a fi Mootummaa Naannoo Amaaraa bara 1989 murtaa'e irratti iyyattoonni seera lafaa baasuun aangoo mootummaa federaalaati malee aangoo mootummaalee naannoo miti waan ta'eef, seerri lafaa (labsiifi dambii) mootummaan naannoo Amaaraa baase alheerawaa(unconstitutional) akka jedhamu Gumii Calaltuu Heera Mootummaatti(CCI) iyyatani.[320]Labsiin lafaa mootummaa federaalaan ba'es mootummaaleen naannoo seera lafaa baafachuu akka danda'an tumeera. Seeronni lafaa naannoleen duraan baafatanii qabaniifis duubatti deebi'uun labsichi (lab. Lak. 89/1997) beekamtii kenneera. Gumiin Calaltuu Heera Mootummaa labsiifi dambiin lafaa mootummaan naannoo Amaaraa baase sababoota lamaaf heerawaa dha jedheera. Tokkoffaa, aangichi akka qaama aangoo hafteetti (part of residual power) kan ilaalamu dha. Lammaffaa, labsiin federaalaa lak. 89/1997 naannoleen seera lafaa ofiif baafachuu akka danda'an aangeffamaniiru jedheera.

Haa ta'u malee, xiinxala Gumiin Calaltuu Heeraa dhiyeesse kanaan walqabsiisee Dr. Asaffaan gaaffilee lama kaasu. Tokkoffaa, aangichi durumaanuu aangoo haftee ta'ee naannoleef kennameera yoo ta'e, mootummaan federaalaa labsii ofii baaseen beekamtii kennuu qaba turee? Yeroo labsiiwwan federaalaafi naannoleen itti ba'an yoo ilaalle, labsiin naannoo kan federaalaa dursa. Akka qajeeltootti, seerri duubatti deebi'ee hojiirra oolmaa hin qabaatu (no-retrospective effect of law). Akkas taanaan, labsiin federaalaa seera naannoleen baasaniif boodatti deebi'ee beekamtii kennuu ni danda'aa? Kan danda'amus yoo ta'e, dhimmichi Heeruma mootummaan tumamuu qaba ture malee labsii Manni Maree Bakka Bu'oonni Uummataa baasuun ta'uun irra hin turre.

Xiinxalli Gumii Calaltuu Heera Mootummaan kenname gaaffiiwwan kanniin kan kaasu ta'us, naannoleen seera lafaa baafachuu akka danda'an Gumichi ibseera.

[320] Assefa Fiseha, Olitti yaadannoo lak. 305, F277.

Afgaaffiiwwaniifi mariiwwan garee gaggeeffames naannoleen seera lafaa baasuu heerumaan kan aangeffaman ta'uufi kana irratti Heerri mootummaa ifa yoo hin taanellee fooyyeessuun barbaachisaa akka ta'e amanu. Yaadi isaanii akka itti aanutti cuunfamee taa'uu danda'a:

> *Naannoleen seera lafaa baasuu danda'u moo hin danda'an kan jedhu tumaalee Heera Mootummaa RDFI 40, 52, 53 fi 85 walfaana dubbisuun hiikkoo itti kennuu barbaachisa. Lafti qabeenya guddaa uummata Oromoo dha. Eenyummaan (identity) kan walqabatudhas.Federaalizimiin keenya eenyummaatti amana. Lafa irratti seera baafannee hin bulchinu taanaan eenyummaafi aadaan keenya badaa adeema. Heerri Mootummaa Federaalaa kana irratti ifa miti yoo ta'es fooyyeessuun barbaachisaa dha. Kanaan alatti, seeruma akka biyyaatti ba'u tokkoon lafa* bulchina jechuun *sirrii hin ta'u. Sababni isaa, garaagarummaan (diversity/legal pluralism) jiru bal'aa dha. Akka biyyaatti mitii akkuma naannoottuu garaagarummaa bal'aati jira. Sirna kaappitaalizimii hordofna jedhamee lafti akka gurguramu kan hayyamnu yoo ta'e, eenyummaa saba Oromoo, keessumaa kan naannawaa Finfinnee eeguun hin danda'amu.*[321]

Af-gaaffiiwwanii fi mariiwwan garee cuunfamee olitti ibsame irraa hubachuun kan danda'amu naannoleen seera lafaa baafachuu akka danda'an tumaaleen Heera mootummaa, keessattuu kanneen akkaataa hundeeffama sirna federaalizimiifi qoodinsa aangoon walqabatan irraa kan hubatamu ta'uu dha. Kun ammoo aangoon seera lafaa baasuu naannolee kan madde Heeruma Mootummaa RDFI irraa ta'uu agarsiisa.

Dhimmi biraa kana waliin ilaalamu, mootummaaleen naannoo aangoo bulchiinsaa qabu kan jedhamu yoo ta'e, daangaan aangichaa eessa gaha? kan jedhu dha. Fakkeenyaaf, aangoon bulchiinsaa kun seera baasuu ni dabalata moo hin dabalatu? Hog-barruuwwan toora kanatti barreeffaman yaadrimeen bulchiinsa gaarii seera baasuu akka dabalatutti yeroo hiikan ni mul'ata. Fakkeenyaaf, *Stig Enemark*bulchiinsi lafaa hammatawwan ykn hidhawwan (frameworks) hawaasummaa, seeraa, dinagdee fi teekinikaa bulchiinsonni lafaa irratti hundaa'anii lafa bulchan

---

[321]Afgaaffiiwwan Ob. Isheetuu Yaadataa, Pirezidaantii MMO Godina Sh/Kaabaa,16/2/2013; Ob Darajjee Daadhii, B/B Abbaa Adeemsa Garee Hariiroo Hawaasaa MMO Godina Addaa Naannawaa Finfinnee,25/2/2013;Ob Oliyaad Siiyyum, Pirezidaantii MMO Godina Addaa Naannawaa Finfinnee, 25/2/2013; Ob Shamaamee Taaddasaa, Pirezidaantii MMA Sulultaa waliin gaafa 18/2/2013 fi Mariiwwan Garee Abbootii Seeraa MMO Godina Harargee Lixaa waliin gaafa 2/3/2013;Abbootii Seeraa MMA Alaltuu waliin gaafa 25/2/2013 gaggeeffame

jechuu akka ta'etti hiikeera.[322] Bulchiinsi lafaa akkaataa mirgoota (rights), dhoorkawwanii (restrictions) fi itti gaafatamummaa (responsibilities) namootaa, imaammattootaafi iddoowwan itti hubataman murteessuuf ka'umsa kan ta'e jechuu dha.[323]Akkasumas, bulchiinsi lafaa gochaawwan qabiyyummaa lafaa, gatii lafaa, itti fayyadama lafaa fi misooma lafaa qindeessuun walqabatani dha.[324]

Akka waliigalaatti, yaadrimeen bulchiinsa lafaa dhimmoota imaammataa (policy), seeraa (legal), abbaa qabeenyummaa (qabiyyummaa), bulchiinsaa (administrative) fi misooma dandeettii (capacity development) qabeenya lafaa irratti murteessuu of keessatti kan hammatu dha.[325] Waan ta'eefuu, sadarkaa hogbarruuttis yoo ilaalle, yaadrimeen bulchiinsa lafaa seera baasuus akka dabalatu salphaatti hubachuun ni danda'ama.

Heerri mootummaa RDFI dhimmoota tokko tokko irratti jecha 'bulchuu' (to administer) jedhu qofa fayyadamus jechichi seera baasuus kan dabalatu ta'uu agarsiisan ni jiru. Fakkeenyaaf, mootummaan federaalaa kwt.51 (6) jalatti raayyaa ittisa biyyaafi poolisii federaalaa akka **bulchu**, kwt. 51(7) jalatti Baankii Biyyoolessaa akka **bulchu**, kwt. 51 (10) jalatti baajata mootummaa federaalaa akka **bulchu**, kwt.5 (13) jalatti dhaabbilee federaalaa mootummaalee naannoo lamaafi sanaa ol keessatti tajaajila kennan akka **bulchu**, kwt.51 (8) dhimmoota kenninsa paaspoortii, gara biyyaatti galuufi biyya keessaa bahuu, godaantotaafi koolugaltoota akka **bulchu** aangeffameera. Akkaataa aangoon itti kenname jecha 'bulchuu' jedhu fayyadameeti. Dhimmoota kanniin hunda bulchuun imaammataafi tarsiimoo bocuu, seerotaafi dhaabbilee seerota kanneen hojiirra oolchan diriirsuu gaafata. Qabatamatti, kana gochaa kan jiru mootummaa federaalaa. Kun kan agarsiisu, jechi 'bulchuu' jedhu seera baasuus kan dabalatu ta'uu dha.[326]

---

[322]Land administration is concerned with the social, legal, economic and technical framework within which land managers and administrators must operate (Stig Enemark, Land Administration Systems- Managing Rights, Restrictions and Responsibilitiesin the Land (Paper Presented on the International Federation of Surveyors: Map World Forum,Hyderabad, India, 2009), FF10-13 ; Habib Jemal, Olitti yaadannoo lak.314, F65)

[323] Land administration is considered as the basis for conceptualizing rights, restrictions, and responsibilities related to people, policies and places (Stig Enemark, Akkuma 322[ffaa]; Habib Jemal, Akkuma 322[ffaa])

[324]Ian Williamson Stig Enemark Jude Wallace Abbas Rajabifard, Land Administration for Sustainable Development (Esri Press, 380 New York Street, Redlands, California U.S.A, 2010); Habib Jemal, Olitti yaadannoo lak.322[ffaa], F64

[325] Ian Williamson Stig Enemark, Akkuma 324ffaa; Habib Jemal, F64

[326] Ian Williamson Stig Enemark, Akkuma 324ffaa; Habib Jemal, Akkuma 325ffaa); Habib Jemal, A Critical Assessment on Provisions of the Federal Constitution of Ethiopia with Regard to Federal Regional Governments Relationship on Land Law, Joornaalii Seeraa Oromiyaa, Jiil.9, Lak.1, 2012, FF57-79.

Qaphxiin asitti xiinxala barbaadu tokko, erga haalli bocama sirna federaalizimiifi qoodinsa aangoo akka waliigalaatti jiru mootummaaleen naannoo seera lafaa baafachuu danda'uu akeekanii; akkasumas, yaadrimeen bulchiinsa lafaa seera baasuu dabalata ta'ee, seera baasuu danda'uufi dhiisuun mootummaalee naannoo maaliif burjaajjii uumee akka gaaffiitti ka'a? kan jedhu dha. Burjaajjiin kun kan madde tumaa heera mootummaa RDFI kwt. 52 (2) (d) irraa akka ta'e ni hubatama. Tumaan kun mootummaaleen naannoo lafaafi qabeenyaa uumamaa biroo kan bulchan akkaataa seerota federaalaatini dha. Heerri mootummaa naannoo Oromiyaas kwt. 47 (2) (c) jalatti seera mootummaan federaalaa baasuun lafaafi qabeenyaa uumamaa biroo ni bulcha jechuun tumeera. Tumaalee lamaan irraa ifatti kan hubatamu naannoleen(naannoo Oromiyaa dabalatee) kan aangeffaman lafaafi qabeenyaa uumamaa biroo kan bulchan akkaataa seera mootummaan federaalaa baaseen ta'uu dha. Kun ammoo naannoleen aangoo bulchuu malee aangoo seera baasuu hin qaban hiikkoo jedhu kennisiisa.

Haa ta'u malee, tumaan kun bocama waliigalaa Heerichaa waliin hin deemu. Tumaan kun, tarii, bulchiinsaafi itti fayyadama lafaafi qabeenyaa uumamaa biroo haala walfakkaatinsa qabuun bulchuuf yaadamee tumamuu mala. Kaayyoon isaa sana taanaan isaaf malli biraa ni jira ture. Innis, federaalli dhimmoota waliigalaa qofa irratti seera baasuun kanneen hafan hedduu naannoleef akka dhiisu (framework power) gochuun ni danda'ama. Aangoon akkaataa kanaan qoodamu dhimmoota dinagdee fi hawaasummaa (economic and social spheres) irratti hedduminaan ni calaqqisa.[327] Lafti ammoo wantoota oomishaaf barbaachisan keessaa isa ijoo fi murteessaa waan ta'eef, dhimma diinagdeen walqabatu ta'uun isaa wal nama hin gaafachiisu. Kanaaf, biyya keenya keessattis walfakkaatinsa akka biyyaatti barbaadamu milkeessuuf mootummaan federaalaa dhimmoota waliigalaa qofa irratti seera akka baasu aangessuun kanneen hafan biroo mootummaalee naannoof dhiisuun ni danda'ama ture jechuu dha. Akka amma jirutti, Heerichi lafaafi qabeenyaa uumamaa biroo irratti aangoon seera baasuu kanuma mootummaa federaalaa qofa fakkeesseera.

### 3.2.Sirna Argannaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa

Bu'uura tumaalee Heeraa fi Seerota Federaalaa fi Naannoo Oromiyaa rogummaa qaban irratti hundaa'uun mirgi itti fayyadama lafa baadiyyaa argachuu fi nama sadaffaaf dabarsuu eegumsa akka argate beekamaadha. Keessumaayyuu, mirga heeraan lammiileef kenname kana

[327] Assefa Fiseha, Olitti yaadannoo lak. 305, F272.

raawwachiisuuf seeronni sadarkaa federaalaa fi naannootti qaama dhimmi ilaaluun bahuudhaan hojiirra oolaa jira.

Mirgoonni sirna argannaa fi dabarsaa itti fayyadama lafa baadiyyaa seeraan beekamtii fi eegumsa argatan kunneenis kenna mootummaa irraa, dhaaltummaa, kennaa, kiraa, investimentii, qoodinsa qabiyyee/qabeenya haadhawarraa fi abbaawarraa, kiraa, jijjiirraa ykn walitti aansuu, hirtaa, kkf dha. Haa ta'u malee, qabatamatti lafti karaawwan tarreeffaman kana qofaan darbaa hin jiru. Karaa seera qabeessa-hin taaneenis yeroon darbu ni jira. Akkasumas, seeraan ifatti beekamtii argachuus baatu halli mirgi itti fayyadamaa itti darbu (transact) ni jira. Gama kanaan, mirga itti fayyadamaa wabiin qabsiisuu akka fakkeenyaatti kaasuun ni danda'ama. Kana irraa ka'uudhaan, xiinxallii kutaa kanaa kutaalee xixiqqaa sadiitti jechuunis, dabarsa mirga itti fayyadamaa seera-qabeessa ta'e (Lawful rural land use transaction), dabarsa mirga itti fayyadamaa seera-qabeessa hin taane (Unlawful rural land use transaction), fi mirga itti fayyadamaa osoo seeraan aguuggii argachuu qabanii hin argatiin hafan jedhamee qoodamee gaggeeffameera. Tokko tokkoon haa ilaallu.

### 3.2.1.Argannaafi Dabarsa Seera-Qabeessaa (Lawful Rural Land Use Transaction)

Labsii fi danbiin bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa karaalee seera qabeessaan mirga argannaa fi dabarsa lafa baadiyyaa kaa'ee jira. Karaaleen kunneenis kennaan mootummaa irraa, dhaaltummaadhaan, kennaa maatii irraa, kiraa, investimentiidhaan, lafa waljijjiiruudhaan ykn walitti aansuudhaan, hirtaadhaan, diiggaa gaa'elaa booda qoodinsa qabiyyee haadhawarraa fi abbaawarraatiin, waliin misoomsuu fi kkf akka ta'e armaan olitti gabaabinaan tuqameera. Karaalee seera qabeessa mirgi qabiyyee fi/ykn fayyadamni lafa baadiyyaa ittiin argamuu fi dabarfamu ilaalchisee gama seerota rogummaa qabanii fi hojmaata keessatti rakkooleen qabatamaan ifatti ni mul'atu. Rakkooleen kunis daataa af-gaaffii, bar-gaaffii, dhimmoota mana murtii fi kanneen biroo bu'uureffachuudhaan akka armaan gadiitti tokko tokkoon kaafamee ni xiinxalama.

#### 3.2.1.1.Kenna Mootummaa

Akkuma armaan olitti tuqame, mirga qonnaan bulaan, horsisse bulaan ykn gamisa horsiisee bulaan qabiyyee lafa baadiyyaa argachuuf qabu karaan tokkoo fi inni bu'uuraa kennaa

mootummaa irraa argamu (*mirriitii*) dha.[328] Haala kanaan, jiraataan Naannoo Oromiyaa kan umuriin isaa waggaa 18 fi sanaa ol ta'e, qonnaan fi/ykn horsiisee buluudhaan kan jiraatu ykn jiraachuu kan barbaadu kamiyyuu lafa baadiyyaa tolaan argacuuf mirga qaba.[329] Namoota dhuunfaa qofa otoo hin taane dhaabbileen mootummaa, miti-mmotummaa, abbootiin qabeenyaa, fi dhaabbileen hawaasaa garaagaraa mirga lafa baadiyyaa argachuu ni qabaatu.[330] Akkasumas, uummanni aadaadhaan waliin lafa dheedichaa, burqaa bishaanii, bakka amantii, lafa awwaalchaa, fi tajaajila kana fakkaataniif mirgi lafa argachuu isaanii ni eegamuuf seeraan haguuggii argateera.[331] Qabiyyeen lafa baadiyyaa haala kanaan qonnaan bulaaf, horsiisee bulaaf, gamisa horsiisee bulaaf, akkasumas qaamota seeraan beekamtii argatan (legal persons) armaan olitti caqasamaniif kennamu ulaagaa fi adeemsa of danda'een akka ta'e danbii bulchiinsaa fi fayyadama lafa baadiyyaa irraa hubachuun ni danda'ama.[332] Kana keessattis gaheen bulchiinsa gandaa fi waajjira lafaa aanaa gahee murteessaa ta'e akka taphatan danbicha irraa ni hubatama

Qajeeltoowwan, ulaagaa fi adeemsi kenniinsa qabiyyee lafa baadiyyaa gama mootummaan taasifamu gabaabinaan kan armaan olii yoo ta'u, daataa qorannoo kanaaf sassaabamaa ture irraa kaanee yoo ilaallu hojmaata keesatti rakkooleen akka mul'atan hubatameera. Kanas akka armaan gadiitti ilaaluuf yaalla.

Argannaa qabiyyee lafa baadiyyaa kennaa mootummaa irraa ilaalchisee rakkoolee hedduun kan mul'atan yoo ta'u inni guddaan lafuma tokko irratti waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa namoota lamaa fi sanaa oliif kennuun isa tokko dha.[333] Lafti mootummaa irraa kennamu adeemsaa fi ulaagaa mataa isaatiin kan raawwatamu ta'ee otoo jiruu, lafa bakka bu'iinsaan sababa faayidaa uummataaf jedhamee qonnaan bulaa irraa fuudhanii bakka bu'iinsa kennan lafa biraa namni hin qabanne ta'uu otoo qabuu, lafuma kanaan dura nama biraaf kenname irratti callisanii waraqaaa ragaa qabiyyee lafaa baasanii kennuun kan jiru ta'uu fi kun immoo walitti bu'iinsaa fi falmii lafaa uumaa kan jiru ta'uu dhimmuma kana irraa hubachuun danda'ameera.[334] Kunis bal'inaan bulchiinsa lafa baadiyyaa keessatti kan ilaalamu yoo ta'u, kenna lafa baadiyyaa mootummaa

---

[328] Labsii BIFLBO Lak. 130/1999, Kwt.5 (5).
[329] Labsii BIFLBO Lak. 130/1999, Kwt.5 (1).
[330] Labsii BIFLBO Lak. 130/1999, Kwt.5 (3).
[331] Labsii BIFLBO Lak. 130/1999, Kwt.5 (4).
[332] Dambii BIFLBO Lak.151 /2005, Kwt.3
[333] Obbo Faaris Indashaa fi Obbo Fiqaaduu Ambassee, MMWO, Dhaddacha Ijibbaataa, Lakk.G. 304237, gaafa 04/ 10/2011 kan murtaa'e
[334] Akkuma 333[ffaa].

irraa taasifamuun walqabatees qaamni dhimmi ilaalu lafa nama tokkoon qabamee jiru nama biraaf safaruun kennuun ykn akka bakka bu'insaatti nama lafti sababa misoomaaf irraa fuudhameef kennuun bu'uura seeraa kan hin qabne ta'uu qofa otoo hin taane mirga qabiyyee seeraa qonnaan bulaa jeequudhaan falmii hin barbaachifneef saaxilamee baasii adda addaatiin akka inni qisaasa'u gochuu ta'a. Gama biraatiin immoo hojmaanni badaan akka kanaa bulchiinsa lafa baadiyyaa irratti qaama aangoo qabuun raawwatamu sirna to'annoo fi gaafatamummaa naamusaa, yakkaa fi bulchiinsaatiin hin dhaabbatu yoo ta'e, gara fuuldraattis hojmaanni akka kanaa akka itti hin fufneef qonnaan bulaan wabii hin qabu; bulchiinsa badaan akka dagaagus taasisa. Mirga wabii (land tenure guarantee) qonnaan bulaan lafa isaa irratti qabus gaaffii jala kan galu ta'a.

Qabiyyee lafa baadiyyaa kennaadhaan mootummaa irraa argamu ilaalchisee rakkoo guddaan biraa hojmaata keessatti mul'atu ragaawwan abbaa qabiyyummaa lafaa argachuu ibsan garaagaraa dhiyeeffachuu dha. Qonnaan bulaan tokko tokko bara mootummaa Haayila Sillaasee ykn Dargii naaf kenname jechuudhaan ragaa barreeffamaa qabatee dhiyaata. Ragaaleen barreeffamaa haala kanaan dhiyaatan immoo ulaagaa barbaadam guutuu dhabuudhaan (fakkeenyaaf, chaappaa fi daangaa kan hin qabne) lafa uummataa (mootummaa) seeraan ala qabachuu, falmii mana murtiitti dhiyaatuun immoo darbiinsa yeroo akka mormii sadarkaa duraatti dhiyeeffachuudhaan abbaa qabiyyee lafaa yeroo ta'an ni jira.[335]

Kana irraa kaanee yoo ilaallu, qabiyyeen lafa baadiyyaa kennaadhaan mootummaa irraa kennamu ulaagaa, adeemsa, qaama aangoo qabuun kan kennmau ta'uu fi kunis karaa ifaa fi gaafatamummaa qabuun raawwatamuu otoo qabuu, kana irraa maquun karaa iftoomina hin qabneen, gaafatamummaa mirkaneessuun hin jirreen, akkasumas qabiyyee nama dhuunfaa nama biraaf akka bakka bu'insaatti dabarsanii kennuun rakkoo guddaa waan ta'eef, sirni bulchiinsa lafa baadiyyaa qajeeltoowwan bulchiinsa gaarii hordofuun of eeggannoo barbaachisaa ta'een yoo raawwatamuu baate gama wabii qabiyyee lafa baadiyyaa qonnaan bulaa mirkaneessuu fi sirna haqaa falmii lafaa irratti murtii tilmaamawaa, walfakkaataa, ragaa fi seera irratti hundaa'ee fi haqa baasuu danda'u kennuu irratti dhiibbaa guddaa fiduun isaa hin oolu. Kun immoo lammiileen qaama lafa bulchuu fi mana murtii irraa amantaa akka dhaban taasisa.

[335]Waajjira Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Aanaa Baabboo Gaambel fi Obbo Guddataa Gaarii N-9, MMWO, Dhaddacha Ijibbaataa, Lak.G. 291875, gaafa 17/07/2011 kan murtaa'e

### 3.2.1.2.Dhaaltummaa

Dhaaltummaan karaalee qabiyyeen lafa baadiyyaa ittiin argamuu fi dabarfamuu danda'u keessaa isa tokko akka ta'e Labsii fi Danbii Bulchiinsaa fi Fayyadama Lafa Baadiyyaa Oromiyaa keessatti ibsameera. Haala kanaan qonnaan bulaan, horsiisee bulaan ykn gamisa horsiisee bulaan qabiyyee lafa isaa akkaataa seera dhaalmaatiin miseensa maatii isaatiif dhaalchisuu akka danda'u tumameera.[336] Akka yaada tumaa ykn keewwata xiqqaa kanaatti namni maatii isaa irraa dhalate kamiyyuu bu'uura seera hariiroo hawaasaa kutaa dhimmoota dhaaltummaa hoogganu bu'uura godhachuudhaan lafa maatii isaa dhaaluu akka danda'u hubachuun ni danda'ama. Tumaan waliigalaa kun akkuma jirutti ta'ee, keewwata xiqqaa 2 jalatti garuu haala addaa kaa'ee jira. Kunis waa'ee mirga dhaaltummaa dursaa ti. Akka keewwata xiqqaa kanaatti, dhaaltota keessaa kan galii lafa sanarraa argamuun bulan ykn galii biraa hin qabneef mirgi qabiyyee dhaaltummaa dursa argachuu akka eegamuuf tumameera.[337]

Gama biraatiin, mirgi qabiyyee baadiyyaa dhaaltummaadhaan argachuu bal'ina ooyruu isa xiqqaa seeraan murtaa'e giddu galeessa godhachuu akka qabu ifatti kaa'ameera. Haala kanaan, lafa dhaaltonni dhaaltummaadhaan argatan bal'inni isaa midhaan nyaataaf hektaara 0.5 fi biqiltuu dhaabbataaf hektaara 0.25 gadi yoo ta'e, waliin akka fayyadaman ykn waliigaltee uumanii bifa biraatiin akka fayyadaman tumameera.[338]

Lafti nama dhaalu hin qabne mootummaan namoota lafa hin qabneef ykn hanqina lafaa qabaniif hiruu akka danda'us tumameera.[339] Bu'uura tumaalee seerichaatiin, lafti baadiyyaa nama dhaalu kan hin qabne kan jedhamu bifa adda addaa qabaachuu ni danda'a. Fakkeenyaaf, miseensonni maatii dhaalchisaa galii mataa isaanii kan qaban yoo ta'e, ykn galii lafa sana irraa argamu irratti kan hin hirkanne yoo ta'e dha.

Dhimma kana wajjin wal qabatee falmii dhaaltummaa qabiyyee lafa baadiyyaa mana murtitti dhiyaatu keessatti gaaffii akkasii eenyutu kaasuu qaba? Manni murtii kaka'umsa mataa isaatiin namoota gaaffii dhaaltummaa qabiyyee lafa baadiyyaa dhiyeessan galii biraa qabaachuu fi dhiisuu isaanii, akkasumas galii lafichaa argamu irratti hirkachuu fi dhiisuu isaanii kaasuu ni danda'aa? Haala kanaan, namoonni gaaffii dhaaltummaa dhiyeessan galii dhuunfaa isaanii kan

[336] Labsii BIFLBO Lak. 130/1999, Kwt.9 (1).
[337] Labsii BIFLBO Lak.130/1999, Kwt.9 (2).
[338] Labsii BIFLBO Lak.130/1999, Kwt.9 (3).
[339] Labsii BIFLBO Lak.130/1999, Kwt.9 (4).

qaban yoo ta’e manni murtii himaticha kufaa gochuu ni danda’aa? Moo dirqama namoota walfalmaa jiran keessaa gareen tokko akka mormii sadarkaa duraatti kaasuu qaba? Mormiin haala kanaan ka’u akka sababa mormii sadarkaa duraatti moo akka nama himata kana dhiyeessuuf dantaa hin qabneetti (lack of vested interest) kaasa? Gaaffilee kanaa fi kan biroos dhimma kana wajjin wal qabatanii ka’an deebisuuf falmii mana murtiitti dhiyaatuu fi murtii kennamu ilaaluun kan barbaachisu yoo ta’e, manneen murtii fi abbootii seeraa gidduu ejjennoon walfakkaatu akka hin jirre xiinxala dhimmootaa irraa hubachuun danda’ameera.

Gama biraatiin immoo Danbii kwt.3(13 fi 14), tumaa waa’ee waraqaa ragaa ulaagaa mirga dhaaltummaa qabiyyee lafa baadiyyaa mirkaneessuu dhiyeeffachuu, ilaalchisee aangoo Mana Maree Bulchiinsa Gandaa fi mana murtii adda baasuu irratti, seerichaa fi hojmaanni gama kanaan jiru hammam akka wal simu xiinxaluu irratti wanti ifa hin taane ni mul’ata.[340] Akka tumaa kanaatti, namni waraqaa ragaa dhaaltummaa haala kanaan bulchiinsa ganda irraa fudhate kallatiidhaan lafa dhaaltummaa sana ni fudhata moo mana murtiitti dhiyaatee falmuu qaba kan jedhu dhimma ilaalamuu qabu dha. Hojmaanni fi baratamni hamma ammaatti mul’achaa jiru garuu dhimmi dhaaltummaa kallattiidhaan mana murtiitti dhiyaatee murtiin kan kennamu dha. Manneen murtiin dhimma dhaaltummaa qabiyyee lafa baadiyyaa kana yeroo ilaalan namni ani galii lafa kana irraa argamuunan jiraadha ykn galii biraa hin qabu; kanaafuu dursi naaf eegamuu qaba jedhu ragaa bulchiinsa gandaa irraa dhiyaatuun moo karaa biraatiin qulqulleessee murtii kennaa jira kan jedhus dhimma ilaalamuu qabu dha.

Dhimma dhaaltummaa qabiyyee lafa baadiyyaa ilaalchisee tumaaleen seeraan kaa’aman kan armaan olii haa ta’an malee, rakkoolee hedduun qabatama keessatti ni mul’atu. Rakkooleen kunneen baay’inaan kan mul’atan falmii dhimma dhaaltummaa mana murtiitti dhiyaatuun yoo ta’u, manneen murtii sadarkaa garagaraa irra jiran dhimmoota dhaaltummaa kana bifa adda addaatiinis ta’e bifa walfakkaatuun murtii kennuun furmaata yeroo kennan ni mul’ata. Rakkoolee qabatamaa dhimma dhaaltummaa lafa baadiyyaa manneen murtii keenya keessatti mul’atan tokko tokkoon kaafnee yoo ilaallu, kan armaan gadii fakkaatu:

[340] Dambii BILBO Lak.151 /2005, Kwt 3 (13 fi 14) yoo tumu: “13) Namni mirgi ittifayyadama qabiyyee lafa baadiyaa dhaalaan argachuuf dursa qabu galii qabiyyee lafa sanarraa argamuun kan bulan yookiin galii biraa kan hin qabne ta’uun isaa ragaa Mana Maree Bulchiinsa Gandaatiin mirkanaa’ee dhiyeeffachuu qaba. 14) Waajjirri ragaa Mana Maree Bulchiinsa Gandaatiin mirkanaa’ee dhiyaate qulqulleessee waraqaa raga qabiyyee lafaa qopheessee ni kenna” jedhuun kaa’eera.

1ffaa: Dhimma walitti fidanii qabiyyee fi qabeenya dhaaltummaa hirmaachuu (collation) wajjin walqabatee gama tokkoon akka tumaalee seera siviliitti gara maallaqaattii jijjiiramee walitti dabalamee dhaaltota gidduutti akka qoodamu kan ajaju yoo ta'u, gama biraatiin immoo lafti bitamuu fi gurguramuu waan hin dandeenyeef gara maallaqaatti jijjiiranii qooddachuun hojmaata keessatti sirni ifa ta'e akka hin jirre abbootiin seeraa ni ibsu.[341]Kanaaf, dhimma kana lamaan walitti araarsanii hojmaata manneen murtii keessatti ejjennoon walfakkaatu ykn walitti siqu akka uumamu taasisuun walfakkaatinsaa fi tilmaamamummaa murtiilee dagaagsuu irratti ammayyuu hojii guddaan akka hafu abbootiin seeraa kunneen ni ibsu. Namni kennaa argate dhaltummaa hin argatu jechuun walfalmuunis akka jiru ogeessonni tokko tokko ni dubbatu.[342]Haa ta'u malee, dhimmi walitti fidanii qabiyyee dhaaluu gama lafaan jiru akkuma amala isaatti ilaalamee dhaaltonni gahee dhaalaa isaanii qooddachuu barbaadan lafa kennaadhaan isaan harka ture akkuma jiruun bu'uura seerichaatiin walitti fidanii gara maallaqaatti jijjiiiruu otoo hin barbaachisiin qooddachuu akka danda'anis akeekuun barbaachisaa dha.

2ffaa: Mirga dhaaltummaa qabiyyee lafa baadiyyaa fi guddiftummaa ilaalchisee, namni tokko guddifameera kan jedhamu ulaagaa seerri kaa'ee fi qabatamaan gaaffiin dhaaltummaa gama kanaan dhiyaatu rakkoo kan uumu ta'uu (fakkeenyaaf, namni umriin isaa/ishee waggaa 30(soddoma) ta'e nan guddifame jechuun gaaffii dhaaltummaa dhiyeessuu).[343] Kana wajjin wal qabatees namni tokko guddifameera jedhamee mirga dhaaltummaa qabiyyee lafa baadiyyaa kaasuu kan danda'u umriin isaa/ishee hammam yoo ta'e dha kan jedhu ifa miti. Keessumaayyuu, ulaagaa seerri gaafatu yeroo hin guutamnettidhimma kana mirkaneessuun rakkisaa akka ta'ee fiseerri olaantummaan jiruu fi jireenya dhala namaa kan hoogganu ta'uun akkuma jirutti ta'ee, namni tokko guddifamee garuu ulaagaa seerri gaafatu guutuu dhabuudhaan dhaaltummaa keessaa yeroo buqqifamu ykn gahee isaa/ishee dhabu/dhabdu ija haqaatiin yoo ilaalame gaaffii uumuu ni danda'a. Keessumaayyuu, sadarkaa hubannoo seeraa uummata keenyaa yaada keessa galchuun yoo ilaalamu haala kanaan namoota dhugaa lafa jiruun (de facto) guddifamanii fi waggaa dheeraa maatii dhaalchisaa wajjin jiraatanii yeroo dhaaltummaa immoo ulaagaa seerri

[341]Afgaaffii Obbo Fayyisaa Tolasaa, Qindeessaa Dhaddacha Ijibbaataa, MMWO waliin gaafa 01/03/2013 gaggeeffame

[342] Obbo Kumsaa Wayeechaa, Dursaa Garee Qophii Lafaa, Waajjira Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Aanaa Sabbataa Hawaas.

[343] Obbo Fayyisaa Tolosaa, Olitti yaadannoo lak.341.

barbaadu (de jure) hin guunne jedhamanii qooda dhaaltummaa isaanii dhabuun hojmaata manneen murtii keessatti rakkoo akka uume abbootiin seeraa kun yaada ni kennu.

3ffaa: Bu'uura murtii mana murtiitiin qabiyyeen lafa baadiyyaa dhaaltota gidduutti yeroo qoodamu standardii seeraan kaa'amee gaditti lafti ciccitee yeroo hiramu ni mul'ata.[344] Lafti baay'ee cicciramee akkaata qonnaaf hin taaneen dhaaltota gidduutti qoodamaa akka jiru, fakkeenyaaf, namni lafa hektaara 1 (tokko) qabu ijoollee 6 yoo qabaate, jahan isaaniifuu hiruu, sababa kanaaf lafti garmalee cicciitee jiraachuu itti dabalanii ibsu.[345] Rakkoolee kana uumuu keessatti immoo manni murtii dhimma dhaaltummaa raawwachiisu illee akka qooda qabu ni ibsama. Haala kanaan, manni murtii lafa bal'inni isaa hektaara 0.25 ta'e dhaaltotaaf akka qoodamu jedhee qaama dhimma kana raawwachuuf aangoo fi gaafatamummaa qabu akka ajajuu fi qaamni ajajame kun immoo dirqama ajaja mana murtii hojiirra oolchuu waan qabuuf ajaja kana akka raawwatuu fi garuu immoo standardii seeraan kaa'ameen gaditti waraqaa ragaa abbaa qabiyyee lafaa akka hin baafne ni dubbatu.[346]

Kanaaf, ulaagaan seeraan kaa'ame, ajaja mana murtii irraa seera kanatti bu'u kennamuu fi deebii qaama dhimma kana raawwachuu fi raawwachiisuuf aangoo qabu giddutti waldiddaan (tension) ni uumama jechuu dha. Kana wajjin walqabatees, qaamni dhimma kana raawwachiisuuf aangoo qabu (waajjirri lafaa) seeraaf moo ajaja mana murtiif dursa kennuu qaba kan jedhu gaaffii dha. Deebiin isaa ifaa fi gabaabaa yoo ta'eyyuu sadarkaa hubannoo seeraa uummanni qabu irraa kaanee yoo ilaallu seeraaf dursa kennuudhaan ajaja mana murtii raawwachuu diduu irra gahameera jennee dubbadhuu ni dandeenyaa kan jedhu ammas gaaffii dha. Gama biraatiin immoo abbootii seeraa ajaja faallaa seeraa ta'e kennan ilaalchisee sirni gaafatamummaa naamusa isaanii akkamiin hojiirra oola kan jedhus dhimma ilaalamuu qabu dha. Keessumaayyuu, qaamni naamusa abbootii seeraa hoogganu hamma eeruun isaaf dhiyaatutti dhimma naamusa abbootii seeraa sakatta'uu wajjin wal qabatee, qaamni lafa bulchu ajaja faallaa seeraa ta'e yeroo isaanitti ergamu akkamiin eeruu akkasii dhiyeessuu akka danda'anii fi hubannoo isaan sirni akkasii diriiree jiraachuu isaaf qaban akka cimu uumuu taasisuu keessatti ammayyuu hojiin hojjetamuu akka qabu nu agarsiisa.

[344] Alamaayyoo Fayyisaa, Olitti yaadannoo lak. 341.
[345] Alamaayyoo Fayyisaa, Olitti yaadannoo lak. 341.
[346] Saamu'el Axinaafuu, Waajjira Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Aanaa Ciroo

4ffaa: Mirga dursaa kan jedhuu ilaalchisees hojmaata keessatti rakkoon kan jiru ta'uu, fakkeenyaaf, mirga dursaa kan kabachisu eenyudha kan jedhu ilaalchisee ifa akka hin taane ni ibsu.[347] Akkuma armaan olitti ka'e, gama tokkoon danbiin lafa baadiyyaa ragaan mirga dursaa agarsiisu bulchiinsa gandaa irraa akka kennamu ajajuun isaa, gama biraatiin immoo falmii dhiyaatuuf manneen murtii dhimmoota dhaaltummaa keessatti gaaffii dursaa akkamiin keessamumeessaa jiru kan jedhu ammayyuu dhimma ilaalamuu qabu dha. Gaaffiin dhaaltummaa qabiyyee lafa baadiyyaa mana murtitti dhiyaatee murtiin otoo hin kennamiin sababa bulchiinsi gandaa waraqaa ragaa mirga dursaa dhaaltummaa kenneef namichi kallattiidhaan lafa fudhatee gara maqaa isaatti jijjiirrachuun sirna haqaa lafaa keessatti bu'aa fi miidhaa isaa gamanumaan xiinxaluun barbaachisaa dha. Maalumaafuu, dhimma kana irratti shakkii malee aangoo mana murtii fi bulchiinsa gandaa adda baasanii hojjechuu irratti ogeessonni tokko tokko akka rakkatan yaada isaanii kennaniiru.[348]

Akka waliigalaatti immoo eenyutu qabiyyee lafa baadiyyaa dhaaluu danda'a kan jedhu falmii mana murtiitti mul'atu waan ta'eef, gama kanaan murtiin manneen murtii keenya keessatti kennaman xiinxala seeraa fi firii dubbii dhiyeessuun murtiin kennan kan nama amansiisu dha. Fakkeenyaaf, dhimma Tafarraa Kaasahuun v Immabeet Kaasaahun keessatti,[349] Dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii Waliilagaa Oromiyaa murtii manneen murtii jalaa xiinxalee murtii yoo kennu: "*Falmiin galmee kanaa lafa baadiyyaa eenyutu dhaala? kan jedhun walqabata. Tumaan labsii lakk. 130/99 kwt.2/16/ fi 9 jalatti miseensi maatii akka dhaalu ibsa. Miseensa maatii jechuun immoo nama dhaalchisaarraa dhalate ykn nama dhaabbataan galii lafarraa argamuutin fayyadamuun laficharratti abbaa qabiyyee waliin jiraatudha. Firiin dubbii galmee jalaatti mirkanaa'e immoo waamamtuun lafa kanarratti hanga guyyaa Aadde Geexee Ida'ee duutuutti isaan waliin jiraataa turuufi lafichumarraa fayyadamaa turuudha. Kanaafuu waamamtuun ulaagaa miseensa maatii kan kwt.2/16/ jala jiru waan guuttuuf, akkaataa kwt. 9 tin dhaaluuf mirga qabdi. Gama biraan iyyataan ilma du'aa Kaasahuun Gaarradoo tahuun ragaan mirkanaayeera. Kaasahuun Gaarradoo immoo bara 1991 keessaa kan du'e tahuunis galmee keessaa mirkanaayeera. Erga Obbo Kaasahuun Gaarradoo du'ee booda immoo lafti kun Aadde*

[347]Obbo Kumsaa Wayeechaa, Dursaa Garee Qophii Lafaa, Waajjira Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Aanaa Sabbataa Hawaas.
[348] Ob. Kumsaa Wayyeechaa, Akkuma 347[ffaa].
[349] Tafarraa Kaasahuun fi Immabeet Kaasahun, Dhaddacha Ijibbaataa, MMWO, Lakk.G. 336006, gaafa 10/02/2013 kan murtaa'e.

*Geexee Ida'ee harka turuufi Aadde Geexee Ida'ee immoo waamamtuu waliin jiraataa akka turan gabaasa bulchiinsa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa fi ragaa namaatin mirkanaayee jira. Iyyataan ammaa lafa kanarraa fayayadamaa turuusaa ragaadhaan hin mirkaneeffanne. Iyyataan Aadde Geexee Ida'ee irraa akka hin dhalannes hubatameera. Kanaafuu gahee abbaasaa erga abbaansaa du'ee waggaa 21 booda gaafachuuf darbiinsi yeroo Seera HH kwt.1677 fi 1845 kan waggaa 10 isa daangessaa. Waamamtuun miseensa maatii taatee lafa kana qabattee waan jirtuuf gahee abbaasaa waggaa 10 keessatti iyyataan gaafachuu utuu qabuu hin gaafatiin waan hafeef gahee abbaasaa gaafachuuf darbiinsi yeroo ni daangessa. Aadde Geexee Ida'ee dhaaluufis mirga akka hin qabne galmee keessaa ni hubatama. Kanaafuu iyyataan qabiyyee kana dhaaluuf mirga hin qabu kan jedhame hin komachiisu"* Murtii kana irraa hubachuun akka danda'amutti, gaaffiin ykn falmiin eenyutu qabiyyee lafa baadiyyaa dhaala kan jedhu ammayyuu mana murtii keessatti kan mul'atu ta'uu dha.

Falmii dhimma dhaaltummaa qabiyyee lafa baadiyyaa *Faxxaanaa Kaasaa vHirphee Nugusee*[350] keessattis, eenyutu qabiyyee lafa baadiyyaa dhaaluu akka danda'u irratti murtiin manneen murtii sadarkaa garaagaraatiin kennamu walfakkaatinsa yeroo dhabuu fi gama kanaan murtiin dhaddacha Ijibbaataa Oromiyaa murtiilee akkasii walfakkaataa fi tilmaamamawaa akka ta'u taasisuu keessatti gahee isaa bahachaa akka jiru hubanna. *Dhimmichi mana murtii aanaa Gimbichuutii jalqabe. Waamamtuun ammaa obboleettiin ishee duutee ani dhaaltuu obboleettii kooti jechuun iyyataa ammaa lafa qabiyyee obboleettii ishee akka gad-lakkisuuf himatt. Iyyataan ammaa immoo ani miseensa maatii duutuu (kan laficha irratti hunda'ee waliin jiraataa ture) waanan ta'eef dhaaluun anaaf ta'a malee waamamtuu miti jechuun falmeera. Manni murtii aanaas falmisisaa turee waamantuun dhaaluu ni dandeessi jechuun murteesseera. Manni Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Bahaas sanuma cimseera. Kanuma ol'iyyachuun akka dogoggorri seera manneen murtii gadiin uumame sirratee qabiyyichi akka isaaf murtaa'u gaafateera. Dhaddachi ijibbaataas labsii Lakk.130/1999 xiinxaluun eenyu lafa baadiyaa dhaaluu akka danda'u sakatta'uun miseensa maatii fi kanneen biroo laficha irratti hundaa'uun jiraatan akka ta'e kwt 6(1) fi 9 waliin xiinxalee waamamtuun obboleettidha malee miseensa maatii miti waan ta'eef; iyyataan ammoo nama lafa falmii kaaserra waliin jiraataa turee fi jiruu isaa sanarratti hundaa'ee gaggeeffatu waan ta'eef dhaaluu akka danda'u xiinxaluun murtii manneen murti gadi diiguun iyyataan akka dhaalu murteeseera.*

[350] Faxxaanaa Kaasaa fi Hirphee Nugusee, MMWO, Dhaddacha Ijibbaataa, Lak.Galmee 306027

5ffaa: Lafa waliinii ykn lafa mootummaa jedhamee adda bahe irratti himata dhaaltumaa dhiyeessuu fi kun immoo bu'uura falmii siviliitiin namni himata dhiyeeffachuu danda'u nama dantaa (vested interest) qabu miti jedhamee manneen murtii yeroo himata haqan ni mul'ata.[351] Namni tokko bu'uura seerichaatiin dhaaltuu isaa dhaaluuf mirgi inni qabu kan bilchaatu namni dhaalchisu sun yeroo lubbuun jirutti qabiyyee fi qabeenya kan dhuunfaa isaa ta'e yoo qabaate malee lafa mootummaa ykn uummataa ykn hawaasaa irratti mirga dhaaltummaa gaafachuu hin qabu.

Hojimaata manneen murtii fi qaamolee lafa baadiyyaa bulchan keessatti rakkooleen akka armaan olii haa mul'ataniyyuu malee, akkaataa dhimmoonni dhaaltummaa itti dhiyaatanii furmaata/murtii argatan sadarkaa manneen murtii adda addaatti yoo ilaalamu murtiin karaa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Ijibbaataatiin kennamu murtii barsiisaa fi tilmaamawaa akka ta'e dhimmoota tokko tokko irraa hubachuun ni danda'ama. Fakkeenyaaf, dhimma gaaffii dhaaltummaa Roobaa Tarrafaa fi Abaaboo Tarrafaa N-2**[352]** gidduutti gaggeeffame yoo ilaalle: *Dhimmichi falmii dhaaltummaa qabiyyee lafa baadiyyaa yoo ta'u, mana murtii aanaatti himata dhaaltummaa dhiyaateen "abbaan keenya bara 2000 keessa boqoteera; lafa abbaa keenyaa dhaalaan nuuf malu waamamtuu 2ffaan bakka 11tti argamuu fi waamamtuu 1ffaan bakka tokkotti argamu qabatanii waan jiraniifi <u>iyyataan yoo abbaansaa du'u waggaa 7 waan taheef</u> amma himachuuf dirqameera; kanaaf qabiyyeewwan kana irraa gahee dhaalaa akka nuuf qoodan"kan jedhudha. Waamamtuu 2ffaan himata dhiyaate amantee jirti. Waamamtuu 1ffaan garuu deebii kenniteen "lafa kanarratti Dirribee Tarrafaa fi Dhufeeraa Tarrafaa galmee lakk. 45924 ta'erratti himatanii bilisa baheen jira waan taheef amma na himachuu hin danda'anii; <u>lafa kanarratti waamamtuu 2ffaan guddistuu fi bulchituu himattootaa tahuun na himattee himatichi kufaa taheera waan taheef akkaataa tumaa SDFHH kwt.5 himanni kun kufaadha</u>; lafa kana Obbo Tarrafaa Gaarii bara 1997 abbaan kiyyaa naaf kennanii itti fayyadamaan jira; himanni dhiyaatee darbiinsa yeroon daangaha" jechuun deebii kennite.*

*Manni Murtii Aanaas yeroo murtii kennu,"lafa harka waamamtuu 1ffaa jiruu abbaan ishee kenneefi waggaa 12 oliif qabattee akka jirtuufi waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa akka itti*

---

[351]Dheerechaa Lammeechaa fa'a N-2 fi Katamaa Warquu fa'a-N-2, Mana Murtii Aanaa Sabbataa Hawaas, Dhaddacha Sivilii, Lak. Galmee -59091

[352] Roobaa Tarrafaa fi Abaaboo Tarrafaa N-2, Dhaddacha Ijibbaataa, MMWO, Lakk.G. 333471, gaafa 24/02/2013 kan murtaa'e

*qabdu hubatameera; mormiin dhimma kanarrati murtiin armaan dura kenname jedhuu dhimma namoota biroo waliin wal falmanii murtaahe waan taheef akkaataa SDFHH kwt.5 komiin ka'e fudhatama hin qabu; garuu waamamtuu 1ffaaitif abbaasheen kennameefi waggaa 12 ol waan fayyadamteef iyyataan kan dhaalu qabeenya abbaansaa gaafa du'u akkaataa tumaa SHH kwt.826/2/ tin mirga irraa qabuudha; qabiyyee kana waamamtuu 1ffaan waggaa 12 ol waan fayyadamteef akkaataa dambii lakk. 151/2005 kwt.32 gaafachuun hin danda'amuu; qabiyyee harka waamamtuu 2ffaa jiru garuu walakkaan isaa keessaa bahee isa hafe himattoonni akka qooddatan jechuun murteesseera.*

*Manni murtii olaanaa gama isaatiin dhimmichi oliyyannoodhaan ilaalee:"waamamtuu 1ffaan kennaan argadhe yaa jettu malee ragaa barreeffamaa kennaa kana ishiif kennamuu hubachiisu hin dhiyeeffanne waan taheef kennaan hin jiru; qabiyyee falmiif ka'umsa tahe kana seeraan ala qabattee jirti; darbiinsa yeroon walqabatee immoo abbaan iyyataa yoo du'u bara 2000 keessa lafti kun erga harka isaa bahee waggaa 3 qofa waan taheef gaafachuuf darbiinsi yeroo abbaa iyyataa hin daangessu; yeroo abbaansaa du'u immoo iyyataan daa'ima waggaa 7 waan taheef himata dhiyeessuu kan danda'u bara 2011 keessadha; darbiinsi yeroos bara 2011 eegalee kan lakka'amu taha; kanaafuu himanni kun darbiinsa yeroon hin daangahu qabiyyichi kan dhaalaati jechuun waamamtuu 1ffaan iyyataadhaaf akka qoodduufif jechuun murtii kenne.*

*Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaas dhimmica ammas oliyyannoodhaan ilaalee yeroo murteessu "namni tokko dhaaluu kan danda'u qabeenya dhaalchisaan gaafa du'u qabu akka tahe tumaa SHH kwt.826/2/ jalatti tumameera; garuu ragaa dhiyaateerraa waamamtuu 1ffaan lafa kana waggaa 12 ol qabattee itti fayyadamaa turuun; qabiyyee kanarratti waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa qabaachuunshee qabiyyee dhaalaa utuu hin taanee qabiyyee waamamtuu 1ffaa tahu hubachiisa jechuun qabiyyee harka waamamtuu 1ffaa jiru qoodamuu hin qabu jechuun murtii jalaa fooyyesseera.*

*Dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa gama isaatiin"qabiyyee harka waamamtuu 1ffaa jiru waamamtuu 1ffaan kennaan argadhee jette jirti. Iyyataan falmii kana waakkatee jira. Qabiyyee lafa baadiyyaa kennaan argachuushee kan hubachiisu akkaataa danbii lakk.151/2005 kwt.3/12/ tin ragaa barreeffamaa kan qaama aangoo qabu biratti galmaayee dhiyeessuunidha. Waamamtuu 1ffaan waliigaltee kana hin dhiyeeffanne. Kanaafuu waliigaltee kennaa jiraachuun hin mirkanoofne. Falmiin iyyattuu kan biroo himanni kun darbiinsa yeroon*

*daangaha kan jedhudha. Falmiin galmee kanaa falmii dhaalaa akkaataa tumaa SHH kwt.999 tin dhiyaatee waan taheef tumaan darbiinsa yeroo rogummaa qabu dambii lakk. 151/2005 kwt.32 utuu hin taane tumaa SHH kwt.1000 dha. Kanaan walqabatee umuriin iyyataa bara 2000 yoo abbaansaa du'u daa'ima waggaa 7 tahuun hubatameera; kanaafuu iyyataan umuriinsaa waggaa 18 erga guutee hanga waggaa 15 tti himanni kun darbiinsa yeroon kan daangahu miti. Haala kanaan yoo shallagamuu iyyataan bara 2011 tti umuriinsaa waggaa 18 taha waan taheefi guyyaa kanarraa eegalee hanga waggaa 15 tti himachuuf darbiinsi yeroo iyyataa hin daangessuu(SHH kwt.1000/2/). Kanaafuu, himata iyyataan dhiyaatee darbiinsa yeroon hin daangahu; Qabiyyeen kun qabiyyee dhaalaa tahuun mirkanaayeera. Qabiyyee dhaalaa immoo iyyataan qooddachuuf akkaataa labsii lakk. 130/99 kwt.2/16/ fi 9 tin miseensa maatii waan taheef mirga guutuu qaba. Kanaafuu, iyyataan sababa gahaa malee qabiyyee dhaalaa qooddachuu hin qabu jechuun kan manni murtii waliigalaa murteesse dogoggora. Darbees waraqaa ragaa abbaa qabiyummaa akkaataa tumaa SHH kwt.1195 ti tilmaama abbaa qabiyyeeti jedhu kan hubachiisu tahuus garuu qabiyyichi qabiyyee dhaalaa waan taheef dhaaltonni akka hin qooddanne kan daangessu miti. Qabiyyee nama biraarratti ragaa baafachuun akkaataa tumaa SHH kwt.1196 tin mirga homaa hin kennuuf. Kanaafuu, murtiin mana murtii jalaa dogoggora seeraa isa bu'uuraa kan of keessaa qabu tahee argama jechuun murtii kenneera.*

#### 3.2.1.3. Kennaa

Waliigalteen kennaa karaalee lafti baadiyyaa ittiin argamuu fi dabarfamu keessaa isa tokko akka ta'e armaan olitti ilaalleerra. Haala kanaan, qonnaan bulaan, horsiisee bulaan ykn gamisa horsiisee bulaan mirga fayyadama qabiyyee lafasaarraa qabu miseensa maatiisaa kan galii lafa sanaatiin buluuf, ykn galii biraa hin qabneef, ykn lafa dhabeeyyii ijoollee isaatiif kennaadhaan dabarsuu ni danda'a.[353]

As irratti dhimmi ibsa barbaadu foormii fi ulaagaa waliigaltee kennaa mirga qabiyyee lafa baadiyyaati. Seeronni BIFLB Oromiyaas ta'e, kan Federaalaa namoota kennaadhaan qabiyyee lafa baadiyyaa argachuuf mirga qaban kaa'uuf yaale malee, waliigalteen akkasii ulaagaa fi foormii akkamii hordofuu akka qabu irratti bal'inaan hin keenye. Qaawwa akkasii kana duuchuuf immoo gara seerota dhimmichi ilaaluutti qajeelchuun barbaachisaa ta'a jechuu dha.

[353] Labsii BIFLBO Lak. 130/1999, Kwt.9 (5)

Haala kanaan waliigaltee kennaa ilaalchisuun Seerri Sivilii kwt.2443 kennaan qabeenya hin sochoone irratti taasifamu fudhatama kan qabaatu foormii dhaamoo ifaa kwt.881-883 jalatti kaa'ame yoo hordofe akka ta'e tumee jira.

Gama biraatiin, seerota BIFLB fi seera sivilii walbira qabuun yoo ilaallu waliigalteen kennaa qabiyyee lafa baadiyyaa barreeffamaan ta'ee waajjira lafa bulchu biratti galmaa'ee mirkanaa'uu akka qabu hubachuun kan danda'amu yoo ta'ellee, ulaagaan foormii (barreeffamaa) kun yoo guutamuu baates, mirgi lafa baadiyyaa irraa argamu kan itti fayyadamuu waan ta'eef, namni waggaa dheeraa kennaadhaan lafa baadiyyaa fudhatee itti fayyadamaa ture sababa waliigaltichi barreeffamaan hinqophoofneef qofa abbaa qabiyyee duraaniitti deebi'uu akka hin dandeenye MMWFDI Jildii 19ffaa, lakk,galmee 113973 irraa hubachuu ni dandeenya.

Kennaa ilaalchisee hojmaata keessatti rakkoo hedduun akka jiru daataa qorannoo kanaaf barbaachisu irraa hubachuun danda'ameera. Haaluma kanaan, waliigaltee kennaa qabiyyee lafa baadiyyaa ilaalchisee rakkooleen hojmaata keessatti mul'atan kanneen armaan gadii daataa keenya irraa xiinxalamaniiru:

1ffaa: Waliigaltee kennaa qabiyyee lafa baadiyyaa fakkeessuun bittaa gurgurtaa lafaa raawwachuun akka mul'atu, kana wajjin walqabatee, namni tokko tokko qabiyyee lafa isaa gurguree mucaa kooti ("abbaa kiristinnaati"); ana biratti guddata jechuun waliigaltee kennaa fakkeessuun lafti yeroo bitamee gurguramu akka jiru namoonni af-gaaffii keenyaaf deebii kennaan ni dubbatu.[354]Kennaa fakkeessanii lafa gurguruu fi miseensa maatii kan jedhu hafee akkoo fi akaakayyuuf jedhamee lafti kan kennamaa jiru ta'uu kan ibsanis ni jiru.[355]

2ffaa: Waliigaltee kennaa keessatti karaa dhaaltummaa keessaa buqqisuu fakkaatuun yeroo raawwatamu akka jirus ni dubbatama.[356]Waliigalteen kennaa lafaa yeroo daa'imman ykn ijoollee mana jiran dhaaltummaa keessaa buqqisus kan mul'atu ta'uu; kun immoo ulaagaa kennaa kan hin guunne ta'uu fi dhaaltummaa keessaa buqqisuuf immoo ulaagaa mataa isaa kan qabu ta'uu ni ibsu.[357]

---

[354] Yaada Marii Garee irraa argame.

[355]Obbo Tashoomaa, Dursaa Garee Karooraa fi I/Fayyadama Lafa Baadiyyaa, GANFO, Af-gaaffii gaafa 25/2/2013 gaggeeffame

[356] Obbo Dammallaash Dhugaasaa, Pirezidaantii MMA Bulee Horaa, gaafa 02/02/2013.

[357] Obbo Dammallaash Dhugaasaa, Akkuma 356ffaa.

3ffaa: Namoota addatti waliigalteen kennaa ilaallatu wajjin wal qabatee, seerichi miseensa maatiif kennama jedha malee ijoollee dhalatanii fi warra achi taa'anii hojjetan waan adda hin baafneef kana irratti seerichi waan qaawwa qabu fakkaata.[358] Akkasumas, miseensa maatii keessaa lafa argatan warra dhaabbiidhaan maatii sana keessa jiraatan jedha malee waggaa meeqaaf yoo achi jiraatan lafa kennaadhaan argachuu danda'u kan jedhu ifa akka hin taane ni ibsama.[359] Kennaa qabiyyee lafa baadiyyaa ilaalchisee, labsichi miseensa maatii keessatti haadhawwarraa kan hin hammachiifne yoo ta'u, danbiin immoo ijoolleen ijoollee dhaalchisaa kennaadhaan lafa argachuu akka danda'an kaa'eera.[360] Namoonni qabiyyee lafa baadiyyaa kennaadhaan argatanis namoota galii biraa hin qabne jedha malee galiin kun kan akkamiiti; hammam dha kan jedhu irratti seerichi iftoomina akka hin qabne ni dubbatama.[361]

4ffaa: Ulaagaa fi foormii waliigaltee kennaan qabiyyee lafa baadiyyaa ilaalchisee falmii mana murtiitti dhiyaatu keessattis rakkoo guddaan akka jiru ni mul'ata. Haala kanaanis, ulaagaa seerichi kaa'e otoo hin guutiin lafa waggaa dheeraaf sababa qabatanii turaniif kennaadhaanan fudhadhe jedhanii falmuu fi falmii akka mormii sadarkaa duraatti ka'uu danda'u, darbiinsa yeroo, kaasuun falmuunis ni argama.[362] Gama kanaa, Dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Oromiyaa kennaa ulaagaa fi foormii seeraan kaa'ame hin guunne sababa darbiinsa yeroo waggaa kudha lamaatiin abbaa qabiyyee harkaa baasuu jechuun seer-maleessummaa (unlawfulness) babal'isuu waan ta'eef, kun immoo Heera Federaalaas ta'e Heera Naannoo Oromiyaa kwt.9(1)n yoo ilaalamu bu'uura heeraa waan hin qabneef jechuudhaan falmii akkasii kufaa godhee murteesseera.[363] Waa'een darbiinsa yeroo falmii daddabarsaa fi argamiinsa lafa baadiyyaa wajjin wal qabatee armaan gaditti bal'inaan ni dhiyaata.

Dabalataanis, seerichaa fi qabatama lafa irra jiru waliin yoo ilaalamu, namni tokko fira isaa bira taa'ee isaan tajaajilaa turee lafa argachuu akka hin dandeenyee fi tajaajilaan lafti argamuun bu'uura seeraa kan hin qabne ta'ee otoo jiruu, na xooraa (gargaaraa) waan tureef lafa koo nan kennaaf jechuun namoonni tokko tokko yaada isaanii yeroo ibsatan akka jiranii fi kun immoo

---

[358] Obbo Fayyisaa, Olitti yaadannoo lak. 341.
[359] Obbo Fayyisaa, Akkuma 358[ffaa].
[360] Obbo Fayyisaa, Akkuma 359[ffaa].
[361] Obbo Fayyisaa, Akkuma 360[ffaa].
[362] Aadde Burtukaan Tolaa fi Obbo Darajjee Girmaa, MMWO, Dhaddacha Ijibbaataa, Lak.G. 333084, gaafa 01/ 03/ 2013 kan murtaa'e.
[363] Aadde Burtukaan Tolaa fi Obbo Darajjee Girmaa, MMWO, Dhaddacha Ijibbaataa, Lak.G. 333084, gaafa 01/ 03/ 2013 kan murtaa'e.

bu'uura seeraa akn hin qabne ta'uu ogeessonni seeraa tokko tokko ni dubbatu.[364] Kanaafis, qabatamaan wanti lafarra jiruu fi waan seerichi jedhu garaagarummaa akka qabuutti ibsama. Akkasumas, seerichi ulaagaadhaan miseensa maatiif haa jedhuyyuu malee qabatamaan garuu namootuma beekaniif yeroo kennamus akka mul'atu ogeessonni tokko tokko ni ibsu.[365]Qotee bulaan, horsiisee bulaan ykn gamisa horsiisee bulaan tokko lafa qabu maatii hunda keessaa namuma tokkoof kennee dhiisuu danda'aa moo hin danda'u jechuun ogeessonni gaaffii kaasanis ni jiru.[366]Fira jedhanii lafa kennuunis qabatamaatti akka mul'atu ni dubbatu.[367]

5ffaa: Waliigalteen kennaa lafaa jiraachuun maaliin mirkanaa'a? kan jedhus hojmaata keessatti rakkoo uumaa akka jiru abbootiin seeraa ni dubbatu.[368]Akka labsiitti, waliigalteen kun waajjira qonnaa (lafaatti) galmaa'ee ulaagaa guutamuu qabu guutuu akka qabu tumameera. Kun immoo hawaasa keessatti sirriitti hojiitti hiikamaa akka hin jirre itti dabaluun ni ibsu.[369]

6ffaa: Qonnaan bulaan, horsiisee bulaan ykn gamisa horsiisee bulaan qabiyyee lafa baadiyyaa qabu keessaa hammam miseesan maatii isaaf kennaadhaan dabarsuu danda'a kan jedhu seericha keessatti ifatti kaa'amuu dhabuun isaa hojmaata keessatti rakkoo uumee akka jirus ni dubbatama.[370]

7ffaa: Yeroo gaa'elaa lafti erga kennamee booda, yeroo gaa'elli diigamu immoo maatiin haaluu fi adaraa dha malee kennaa hin kennine jechuun heddumminaan ni mul'ata.[371]Waliigalteen kennaa qabiyyee lafa baadiyyaa afaanumaan raawwatamuu; yeroo qoodinsa qabiyyee fi qabeenyaa (hiikkaa gaa'elaa) immoo ulaagaa seeraa kan hin guunne ta'uu; waliigalteen kennaa lafaa hawaasni beekuu fi ulaagaan seeraa adda adda ta'uu; waliigalteen kennaa waan hin galmoofneef qaamni kenne boodarra hin kennine jedhee haaluun ni mul'ata.[372]

---

[364] Obbo Fayyisaa, Olitti yaadannoo lak. 341.
[365] Obbo Wasan Indiriyaas, Dursaa Garee Karoora Itti Fayyadama Lafaa Aanaa Adaamaa fi Obbo Yuusuuf Amaan, Ogeesssa Kaadistera Lafaa Aanaa Adaamaa, Af-gaaffii gaafa 13/02/2013 gaggeeffame
[366]Obbo Solomoon Mulugeetaa, Dursaa Garee Mirkaneessa Lafaa, Waajjira Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Godina Shawaa Kaabaa, Af-gaaffii gaafa 17/2/2013 gaggeeffame
[367] Obbo Solomoon, Akkuma 366[ffaa].
[368] Obbo Fayyisaa, Olitti yaadannoo lak.341.
[369] Obbo Fayyisaa, Olitti yaadannoo lak. 341.
[370] Obbo Solomoon Mulugeetaa, Olitti yaadannoo lak. 366[ffaa].
[371] Obbo Ibsaa Daksiisaa, A/Seeraa MMOG Gujii Lixaa, Af-ggaaffii gaafa 02/02/2013 gaggeeffame
[372] Obbo Dammallaash Dhugaasaa, Akkuma 356[ffaa].

8ffaa: Rakkoo hubannoo seeraa, labsii fi danbii lafa baadiyyaa raawwachiisuuf qajeelfamni bahee kan hin jirre ta'uu, seeraa fi baratamni adda adda ta'uun ni dubbatama.[373]

9ffaa: Tumaalee seerichaa irraa ka'uun namni seeraa (legal persons) qabiyyee lafa baadiyyaa kennaadhaan nama sadaffaatti dabarsuu danda'a moo hin danda'u kan jedhu dhimma xiinxala barbaadau dha.[374] Hafuura tumaalee seeriota rogummaa qaban irraa hubachuun akka danda'amutti, waliigalteen kennaa qabiyyee lafa baadiyyaa namoota uumamaa (natural or physical persons) gidduutti malee namoota seeraa (legal persons) gidduutti (irraa) kennamuu akka hin dandeenye ifa ta'ee ta'ee otoo jiruu, hojmaata keessatti baratamni akkasii jiraachuun odeeffannoo daataa qorannoo kanaaf walitti qabamaa ture irraa kan argame dha.

Kennaa fi dhaaltummaa mirga abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaa ilaalchisee qabxiin xiyyeeffannoodhaan ilaalamuu fi xiinxalamuu qabu miseensa maatii jechuun maal jechuu akka ta'ee fi dhaaltummaa keessatti immoo mirga dursaa jechuun maal akka agarsiisu, eenyutu mirga dursaa akka qabuu fi namni tokko dhalataa abbaa mirgaa qabiyyee lafa baadiyyaa kan hin taane yeroo hammamiif yoo waliin jiraate mirga dhaaltummaa fi kennaa argachuu akka danda'u adda baasuun dhimma ibsa barbaadu dha.

Labsiin BIFLB Oromiyaa kwt.2(16) miseensa maatii jechuun maal akka ta'e hiikkoo kenneera. Haala kanaanis, miseensa maatii jechuun ijoollee abbaa qabiyyee irraa dhalatan, ykn namoota biroo galii biraa hin qabnee fi dhaabbataan abbaa qabiyyee wajjiin jiraatan jechuu akka ta'e kaa'amee jira. Akka Labsii kanaatti, miseensa maatii jechuun gama lamaan hiikamee jira. Gama tokkoon, dhalattoota abbaa qabiyyee yoo ta'u, gama biraatiin immoo nama kamiyyuu galii biraa hin qabnee fi dhaabbataan abbaa qabiyyee wajjiin jiraatu akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Haa ta'u malee, Labsiin BIFLB Federaalaa (labsii lakk.456/97) gama isaatiin karaa hiikkoo kana irraa adda ta'een hiikee jira. Akka hiikkaa Labsii Federaalaa kanaatti, "family member" means any person who permanently lives with holder of holding right sharing the livelihood of the later" jechuun kan hiikame yoo ta'u, kana jechuunis nama kamiyyuu dhaabbataan abbaa qabiyyee wajjiin jiraatee galii laficharraa argamuun jiraatu jechuu akka ta'ee, fi akka hiikkoo kanaatti miseensa maatii jedhamee qabiyyee lafaa dhaaluuf dirqama dhalataa abbaa qabiyyee ta'uun akka irraa hin eegamne hubachuu dandeenya.

---

[373] Obbo Kumsaa Wayeechaa, Olitti yaadannoo lak. 342.

[374] Mana Amantaa Bataskaana Kidanamiret Bareedaa Soorumaa fi Tamasgeen Taayyee, Dhaddacha Ijibbaataa, MMWO, Lakk.G. 333865, gaafa 08/03/2013 kan murtaa'e

Labsii BIFLB Oromiyaa fi kan Federaalaa walbira qabnee yoo ilaallu, garaagarummaan mul'atu ni jira. Labsiin BIFLB Oromiyaa ijoollee (dhalattoota) abbaa qabiyyee warri ta'an haalduree tokko malee akka dhaalan, kan dhaabbataan abbaa qabiyyee bira jiraatan immoo galii laficharraa argamuun kan bulan (jiraatan) yoo ta'e ijoollee isaa wajjiin qabiyyee lafa baadiyyaa akka dhaalan kan agarsiisu yoo ta'u, kan Federaalaa immoo waa'ee dhalattummaa (ijoollee abbaa qabiyyee ta'uu) ulaagaa keessaa baasee nama kamiyyuu abbaa qabiyyichaarratti hirkatee jiraatuuf mirga dhaaltummaa kennee jira.

Itti dabaluunis, Labsiin BIFLB Oromiyaa kwt.9jalatti tumaa waliigalaafi tumaa addaa taasisuun waa'ee mirga dhaaltummaa qabiyyee lafa baadiyyee kaa'ee jira. Akka tumaa waliigalaatti, miseensi maatii abbaa qabiyyee bu'uura seera dhaalmaatiin mirga qabiyyee lafabaadiyyaa dhaaluu akka qabu kan tumame yoo ta'u, akka tumaa addaatti immoo gareen mirgi dursaa kannamuufii qabuuf dursi akka kennamu kaa'amee jira. Isaanis: dhaaltota galii lafa sanarraa argamuun bulan, ykn galii biraa hin qabne dha. Kunis Labsii BIFLB Oromiyaa kan Federaalaa irraa adda taasisa.Gama kanaan, akkaataa Danbiin BIFLB Oromiyaa (danbii lak.155/2005) kwt.10(1) jalatti gara Labsii BIFLB Oromiyaa kwt.9(1) tti qajeelchuun kaa'e sirrii hin fakkaatu. Sababni isaas labsichi kwt.9(1) tumaa waliigalaa miseensi maatii abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa bu'uura seera dhaalmaatiin mirga dhaaluu akka qabu kan kaa'u dha. Kwt.9(2) immoo akka tumaa addaatti namoota mirgi dursaa kennamuufii qabu kaa'ee jira. otuma ta'ees, gara Labsicha kwt.9(2) qajeelchuun namoonni mirga dursaa qaban dhaaltota galii lafa sanarraa argamuun bulan ykn galii biraa hin qabne jedhauu qaba malee tumaa waliigalaa labsii keessa kaa'ame cabsuu hin qabu.

Kennaa wajjiin walqabatee, akka Labsii BIFLB Oromiyaatti ulaagaan kaa'ame miseensa maatii galii lafa sanarraa argamuun jiraatu, ykn galii biraa hin qabne, ykn ijoollee isaa lafa hin qabneef abbaan qabiyyee mirga qabiyyumma isaa kennaadhaan dabarsuu akka danda'u kwt.9(5) jalatti tumameera. As irratti qabxiin ifa hin taanee fi xiinxala barbaadu akka labsii kanaatti "namni galii biraa hin qabne" jedhamu nama akkamiiti? kan jedhudha. Galiin jedhames hangi isaa yoo hammam ta'e dha kan jedhu ifa miti. Kun akkuma jirutti ta'ee, Danbiin BIFLB Oromiyaa kwt.10(2) jalatti, namni kennaadhaan mirga qabiyyee lafa baadiyyaa argachuu danda'u: ijoollee isaa kan galii lafa saniitiin bulan; nama biraa galii biraa hin qabneef dhaabbataan abbaa qabiyyee waliin kan jiraatan; lafa dhabeeyyii ijoollee fi ijoollee ijoollee isaa galii biraa hin qabne; ta'uu

isaanii ragaa Mana Maree Bulchiinsa Gandaatiin mirkanaa'e yoo dhiyaate qofa ta'a jechuun kaa'ee jira. Akka tumaa danbii kanaatti, waan labsii keessatti hin hammatamne ijoolleen ijoollee abbaa qabiyyee illee kennaadhaan mirga qabiyyee lafaa abbaa qabiyyee irraa argachuu akka danda'an kaa'amee jira. Danbiin tokko yeroo bahu labsii hojiitti hiikuuf waan ta'eef, akkaataa labsii baheen hojiitti hiikamuu qaba malee waan labsii keessa hin jirre akka haaraatti dabaluu hin qabu. Wanti dabalamu yoo jiraate, labsichi fooyya'ee dabalama malee akka qaawwa duuchuutti danbii keessatti tumamuu hin qabu.

Gaaffiin biraan miseensa maatii wajjiin wal qabatee ka'uu danda'u namni tokko miseensa maatii jedhamuuf waggaa meeqaaf abbaa qabiyyee wajjiin jiraachuu qaba kan jedhu dha. Gaaffiin akkasii kan ka'u bu'uura Labsii BIFLB Federaalaa fi Danbii BIFLB Oromiyaa irratti hundaa'uun, akkasumas akkaataa Labsii BIFLB Oromiyaatti immoo akka filannootti nama dhaabbataan abbaa qabiyyee wajjiin jiraatuu fi galii lafa sanarraa argamuun jiraatan jedhamee kan kaa'ame yoo ta'u, seerota kana hundumaa walfaana yoo hiikne garuu gaaleen "---dhaabbataan jiraatu---'' jedhu daangaa yeroo kan hin qabne fakkaata. Kana jechuunis, namni tokko kennaadhaanis ta'e, dhaaltummaan mirga qabiyyee lafa baadiyyaa argachuuf dhaabbataan abbaa qabiyyee wajjiin kan jiraatu ta'uu qaba jechuu dha. Gaaffiin biraa kana wajjiin walqabatee ka'uu danda'u namni dhalataa ykn ijoollee abbaa qabiyyee hin taane erga maatiitti dabalamee hammam yoo ture dhaaluu ykn kennaadhaan fudhachuu danda'a? Erga dhaala ykn kennaa fudhatee booda maatii sana keessaa bahee deemuu yoo barbaadehoo akkam ta'a? Lafa sana irratti abbaa mirgaa ta'ee hafa moo ykn guyyaa deeme irraa kaasee mirgi isaa dhaabbata? kan jedhu falmisiisaa ta'uu danda'a. Tumaalee waliigalaa seerota lafaa fi kaayyoo isaanii irratti hundoofnee yoo ilaallu garuu namni tokko dhaaltummaadhaan ykn kennaadhaan akkaataa seerichaatti ulaagaa guutee mirga sana kan argate yoo ta'e, dhaabbiidhaan abbaa qabiyyee wajjiin jiraachuu qaba; yoo dhaabbiidhaan jiraachuuf kaayyoo hin qabu ta'e lafa sana dhabee deemuu qaba. Gama biraatiin, sababii namni kun itti maatii gashiisee deemus ilaalamuu qaba. Fkn: ijoollee abbaa qabiyyee ta'anii dhimma barnootaaf maatii irraa adda bahuu ni danda'u. Karaa biraatiin immoo yeroo dheeraaf abbaa qabiyyeetti maxxananii jiraatanii lafa kennaadhaan ykn dhaaltummaan erga argatanii booda, faayidaa akkasii argachuuf nama biraatti maxxanuuf jecha deemuu ni danda'u. Kanaafuu, kaayyoon dhaaltonni ykn kenna-fudhattoonni abbaa qabiyyee dhiisanii itti deeman ilaalamuu qaba.

Gaaffiin “eenyutu mirga qabiyyee lafa baadiyyaa dhaaluu ykn kennaadhaan argachuu danda’a?” jedhu of eeggannoodhaan ilaalamuu kan qabu dha. Akkuma armaan olitti ibsuuf yaalame, hiikkoo miseensa maatii irratti labsiin BIFLB Oromiyaa fi Federaalaa kan wal hin simne akka ta’ee ilaallee jirra. Hiikkoon miseensa maatiif labsii Federeaalaatiin kenname oomishtummaa lafaa qofa irratti kan xiyyeeffate malee walitti dhufeenya ykn walitti hidhamiinsa lafaa fi eenyummaa sabootaa yaada keessa hin galchine. Akka yaada kanaatti, namni dhalataa ykn ijoollee abbaa qabiyyee hin taanellee lafa dhaaluu ykn kennaadhaan argachuu akka danda’u yeroo kaa’amu ormi ykn halagaan illee mala barbaachisaa ta’een lafa saba biraa irraa fudhatee hawaas-dinagdee (demography) naannoo ykn bakka sanaa jijjiiruu ykn jijjiirsisuu ni danda’a. Kun immoo mirga heeraan sabootaa fi sablammootaaf kenname irratti suuta, suutaan dhiibbaa fiduu fi eenyummaa, aadaa fi afaan isaanii, dhuma irratti immoo hawaas-dinadgee fi siyaasa isaanii liqimsuu fi liqimsiisuu ni danda’a. Kun immoo yaada heera Federaalaa fi Naannoo Oromiyaa waan hin taaneef, akkaataa itti lafti nama sadaffaatti darbu dhimmoota kana yaada keessa kan galche ta’uu qaba.

Gama kanaan, labsiin BIFLB Oromiyaa fi Federaalaa wal haa faallessuuyyuu malee sababoota gurguddaa sadiif tumaaleen labsii BIFLB Oromiyaa olaantummaa qabaachuu qabu.Tokkoffaa, akkuma boqonnaa lammaffaa keessatti tuqame, Mootummaan Federaalaa dhimmoota waliigalaa (framework matters) qofa irratti seera baasee kan hafe bal’inaan (detailed matters) Naannooleef yoo dhiise gaarii ta’a. Haala kanaan, akkaataa daddabarsa lafaa ilaalchisee gadi fageenyaan aangoo bulchiinsa lafaa jalatti seera baasuu kan qabu Naannoolee dha malee Mootummaa Federaalaa miti. Miseensa maatii jechuun maal jechuu akka ta’e; eenyu eenyuun akka dabalatu; nama akkamiitu lafa dhaala; kan akkamiitu kennaadhaan fudhata dhimmootni jedhan Naannoleef dhiifamuu qabu. Lammaffaa, aangoon seera sivilii baasuu (Heera Federaalaa kwt.55(6) irraa kan hafe bu’uura Heera RDFI kwt.52(1) tiin akka aangoo hafteetti (residual power) Naannoleef kennamee jira. seeronni dhaaltummaa fi kennaa wajjin walqabatan immoo dhimmoota seera sivilii wajjin hidhata waban waan ta’eef Naannooleen aangoo akkasii qabaachuu fi irrattis seera baafachuu qabu. Sadaffaa, Heera RDFI kwt.39 mirga hiree ofii murteeffachuu, mirga aadaa, afaan, seenaa fi eenyummaa ofii guddifachuu fi dagaagfachuu; akkasumas, mootummaa ofii ijaarrachuu wajjiin walqabatee heeraan gonfachiifame lafa sabootaa fi sablammootaa irratti waan ta’eef, lafti isaanii sirnaan hin eegamu yoo ta’e, mirgoonni kunneen hiikaa fi faayidaa hin qaban.

Kanaafuu, miseensa maatii jedhamee sababni namni tokko galii mataasaa qaba jedhamee namni biraan akka dhaalu ykn kennaadhaan akka fudhatu taasisuun, bakka bu'ummaadhaan lafti hin dhaalamu jedhamee mirga seeraan kenname daangessuun, kkf yaada tumaalee Labsii BIFLB Oromiyaa kan hin taane ta'uu irra darbee yeroo dheeraa ykn gabaabaa keessatti eenyummaa, aadaa, afaan, hawaas-dinadgee fi siyaasa Saba Oromoo irratti dhiibbaa guddaa ni fida. Seerri yoo bahu, falmii mana murtiitti dhiyaatu irratti hundaa'e tumaaleen seeraa yoo hiikaman, imaammanni lafaa yoo bahuu fi kkf yaadota armaan olii yaada keessa galchuun barbaachisaa fi dirqama ta'a.

### 3.2.1.4. Kiraa

Qabiyyee lafa baadiyyaa kireessuu jechuun maal akka ta'e Labsii 130/99 keessattii hiikkoon hin kennamne. Haa ta'u malee, Danbiin Lak.151/2005 "Lafa Kireessuu" jechuun abbaan qabiyyee lafa baadiyaa yeroo murtaa'eef qabiyyee lafa baadiyaa kaffaltiidhaan nama biraatiif waliigaltee barreeffamaatiin akka ittifayyadamu dabarsuu jechuudha"[375] jechuun hiikeera. Armaan olitti akkuma ka'e, waliigalteen kiraa karaalee qabiyyeen ykn itti fayyadamni lafa baadiyyaa ittiin dabarfamu keessaa isa tokko dha. Akka seerota bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa irraa hubachuun danda'amutti kiraan qabiyyee lafa baadiyyaa kiraa nama dhuunfaatiin taasifamuu fi kiraa mootummaatiin kennamu akka ta'e kaa'ameera. Kiraa lafaa nama dhuunfaa ilaalchisee qonnaan bulaan, horsiisee bulaan ykn gamisa horsiisee bulaan kamiyyuu qabiyyee lafa harka isaa jiru keessaa hanga walakkaa isaa kireessuu akka danda'u tumameera.[376]Labsii fi Danbii BIFLB Oromiyaa kwt.10(1) fi kwt.7(1) irratti hundaa'uun yoo ilaallu, bal'ina lafa qabiyyee midhaan nyaataaf heektaara 0.5, biqiltuu dhaabbataaf heektaara 0.25, lafa jallisiin misoomuuf heektaara 0.25 fi isaa gadi ta'e kireessuun dhorkaa akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Haa ta'u malee, akka tumaa addaatti haalli qabiyyeen lafa baadiyyaa bal'ina armaan olii qabu itti kireeffamuu danda'us danbicha keessatti tumamee jira. Haala kanaan Danbii kwt.7(2) jalatti "Namni sababa umuriitiin yookiin qaama miidhamummaa yookiin dhibeedhaaan ofii isaaniitii hojjechuu kan hin dandeenye ta'uu bulchiinsa gandaatiin mirkanaayee qabiyyee isaa hunda kireessuu akka danda'uu, fi bal'ina qabiyyee lafa midhaan nyaataa heektaara 0.5 fi isaa gadi ta'e misooma qonna hammayyaa kan akka horsiisa lukkuu, misooma horii aannanii, horii furdisuu, fi kan kana

[375] Danbii BIFLBO Lak. 151/ 2005, Kwt.2(13)
[376] Labsii BIFLBO Lak.130/1999, Kwt.10(1)

fakkaatan kan gaggeessu yoo ta'e, Waajjiraan mirkanaa'ee hanga walakkaa kireessuun akka danda'amu tumamee jira.

Waliigalteen kiraa qabiyyee lafa baadiyyaa yeroodhaan kan daangeffame yoo ta'u, qonna aadaaf waggaa sadi, qonna ammayyaaf immoo waggaa kudha shaniif kennama.[377]Fudhatamummaa (validity) waliigaltee kiraa lafaa ilaalchisees seerichi tumaa dirqisiisaa kaa'ee jira. Haala kanaan waliigalteen kiraa qabiyyee lafa baadiyyaa fudhatama kan qabu Biiroo Qonnaa fi Misooma Baadiyyaa Oromiyaa (yeroo ammaa Biiroo Bulchiinsaa fi Fayyadama Lafa Baadiyyaa) biratti galmaa'ee yoo mirkanaa'e qofa dha.[378]Akkasumas, qonna hammayyaas ta'e kan aadaa qabiyyee lafaa kireessuu yookiin waliin misoomsuu ilaalchisee waliigalteen taasifamu kamiyyuu barreeffamaan ta'ee, Waajjira biratti mirkanaa'ee galmaa'uu akka qabu Danbicha kwt.7(7) jalatti tumamee jira. Kanaafuu, waliigalteen kiraa lafa baadiyyaa barreeffamaan ta'ee, Waajjira birratti mirkanaa'ee galmeeffamuun foormii fi ulaagaa waliigaltichaa fi fudhatamummaa isaa kan murteessu dha jechuu dha. Galmeessuuu fi mirkaneessuu ilaalchisee kwt.8 jalatti, akkasumas, akkaataa waliigalteen kiraa lafa baadiyyaa itti hafuu danda'u ilaalchisee immoo kwt.9 jalatti bal'inaan kaa'amee jira.

Waliigalteen kiraa lafaa abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa fi kireeffataa gidduutti yeroo raawwatamu deeggarsi ogummaa akka taasifamu seerichi kaa'ee jira. Haala kanaan, tilmaamni gatii lafti ittiin kireeffamu bu'aa fuulduratti argamuun akka walsimatu deeggarsi barbaachisaa ta'e ni taasifama.[379] Haa ta'u malee, qabatama keessatti hammam hojiirra akka jiruu fi qaamni dhimmi ilaalu guutummaa Naannichaa keessatti deeggarsa ogummaa akkasii taasisuuf qophii fi sirni diriiree jiru maal aka fakkaatu, akkasumas baasii fi loojistikii hojii kanaaf barbaachisu hundi guutamee deeggarsi kun taasifamuun isaa shakkii guddaa kan uumu dha.

Kiraa lafa baadiyyaa mootummaadhaan kennamu ilaalchisee, mootummaan lafa qonnaan bulaan, horsiisee bulaan ykn gamisa horsiisee bulaan hin qabamiin kireessuu akka danda'u tumameera.[380] Waliigalteen haala kanaan raawwatamu faayidaa qonnaan bulaa, horsiisee bulaa ykn gamisa horsiisee bulaa kan eegu ta'uu akka qabuu fi[381] gatiin kiraa lafa baadiyyaa mootummaan ittiin kireessu yeroo yeroodhaan ilaalamee kan murtaa'u akka ta'e

[377] Labsii BIFLBO Lak. 130/1999, Kwt.10 (2)
[378] Labsii BIFLBO Lak. 130/1999, Kwt.10 (3)
[379] Labsii BIFLBO Lak. 130/1999, Kwt.10 (4)
[380] Labsii BIFLBO Lak. 130/1999, Kwt. 11(1)
[381] Labsii BIFLBO Lak. 130/1999, Kwt. 11(2)

kaa’ameera.[382]Yeroon turmaata waliigaltee kiraa akka kanaas kan murtaa’u mootummaadhumaan akka ta’e tumameera.[383]

Haalli waliigalaa haguuggii seeraa kiraa qabiyyee ykn fayyadama lafa baadiyyaa gabaabinaan kan armaan olii yoo ta’u, qabiyyee ykn fayyadama lafa baadiyyaa kireessuu wajjin walqabatee hojmaata keessatti rakkoolee hedduun akka mul’atan odeeffannoo daataa sassaabame irraa hubachuun danda’ameera. Haaluma kanaan, rakkoolee gurguddoon kanneen armaan gaditti xiinxalamaniiru:

1ffaa: Waliigalteen kiraa qabiyyee ykn fayyadama lafa baadiyyaa barreeffamaan ta’ee Biiroo/Waajjira Lafaatti galmaa’uu otoo qabuu, waliigaltee aadaa ykn walta’iinsa ganda keessatti raawwatamuun akka taasifamuu fi kun immoo boodarra waliigalteen kiraa lafaa jiraachuu fi dhiisuu isaa mirkaneessuu irratti rakkoo guddaa akka fidaa jiru ni dubbatama.[384] Kana wajjin wal qabatee, waliigalteen ulaagaa foormii fi galmeessaa eeggatee hin raawwatamne seera duratti fudhatamummaan isaa hangami kan jedhu akkuma jirutti ta’ee, hojmaata keessatti ulaagaa seeraan kaa’ame kana eeganii ykn kabajanii waliigaltee kiraa qabiyyee fi fayyadama lafa baadiyyaa raawwachuu irratti rakkoon ni mul’ata. Waliigaltee kiraa lafaa galmeessuu dhabuu fi afaaniin waliigalleerra jechuun akka falmiitti dhiyeessuun ni jira.[385]

Haaluma walfakkaatuun, waliigaltee kiraa fayyadama lafa baadiyyaa gara waajjiraatti fidanii galmeessuu dhabuu, lafuma tokko irratti nama lamaaf baruma tokkotti kireessuun waldhabbiin lafa irratti akka uumamu gochuu firakkoo akkasii furuuf akka aanaa tokko tokko keessatti (fakkeenyaaf, Aanaa Heexosaa gandoota 10 irratti hojjetaa waajjira lafaa erguun yoo kiraan kennamu foormii guuchisuun akka danda’amu gochuuf yaaliin taasifamaa akka jiru namoonni ni dubbatu.[386] Sababa waliigalteen kiraa lafaa galmeeffamuu dhabeef manneen murtii himata ykn gaaffii akkasii akka gatii dhabsiisanis xiinxala galmee dhimmoota rogummaa qaban irraa hubachuun danda’ameera.[387]

---

[382] Labsii BIFLBO Lak. 130/1999, Kwt.11(3).
[383] Labsii BIFLBO Lak. 130/1999, Kwt.11(4).
[384] Obbo Garramoo Tasfaayee, Bulchaa Aanaa Alaltuu, Afgaaffii gaafa gaggeeffame
[385] Obbo Fayyisaa, Olitti yaadannoo lak. 341.
[386] Obbo Mohaammad Tolaa, Itti gaafatamaa Waajjira Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafaa Aanaa Heexosaa, Af-gaaffii gaafa 10/2/2013 Gaggeeffame
[387]Ad. Baatiree Deesisaa fi obbo Caannee Baqqalaa, MMWO, Dhaddacha Ijibbaataa, Lakk.G. 300319, gaafa 17 /07/2013 kan murtaa’e

2ffaa: Lafti kan kireeffamu itti fayyadama isaa ta'ee otoo jiruu, laficharratti gamoo gurguddaa ijaaruu; Qonna ammaaf waggaa 15, qonna aadaaf waggaa 3f ta'ee irra deddeebi'ee kireeffachuudhaan ijaarsa garaagaraa erga irrattigaggeessee booda diiggadhuu ka'i jechuu; Galmeessuu wajjin walqabatees waggaa sadii sadiin erga haaressee booda biqiltuuwwan akka abukaadoo, buna, baargamoo kkf dhaabee beenyaa gaafachuun hojmaata keessatti rakkoolee mul'atani dha.[388] Qabeenyi lafa waliigaltee kiraa lafaan fudhatamee horatame akkam ta'a kan jedhu, keessumaayyuu qabeenya dhaabbii armaan olitti tarreeffaman, falmii dhimma kana wajjin wal qabatee mana murtiitti dhiyaatu keessatti rakkoo guddaa uumaa akka jiru ni dubbatama.[389] Bu'uura waliigaltee kiraa fayyadama lafa baadiyyaa haala kanaan raawwatameen biqiltuuwwan dhaabbii akka kanaa horachuu fi ijaarsawwan gurguddaa gaggeessuun waliigaltee fayyadama lafaa irraa gara qabiyyee lafa baadiyyaatti jijjiiruudhaan falmiin mana murtiitti ni dhiyaata.

3ffaa: Waliigalteen kiraa qabiyyee ykn fayyadama lafa baadiyyaa karaa dhoksaa ta'een raawwatamuu irraa kan ka'e gara waliigaltee liqiitti jijjiiramuudhaan falmii mana murtiitti dhiyaatu keessatti warri walfalman waliigaltee kiraa fi waliigaltee liqii jechuun yeroo walfalman akka jiranii fi kun immoo qonnaan bulaa lafa isaa irraa buqqisuu waan danda'uuf eeggannoo taasisuu fi to'annoo fi hordoffii cimaa akka barbaadu namoonni af-gaaffii dhiyaateefdeebii kennan ni dhaamu.[390]

4ffaa: Waliigalteen kiraa lafaa daangaa yerootiin daanga'ee (qonna aadaaf waggaa sadii, qonnaa ammayyaaf immoo waggaa kudha shan ta'ee otoo jiruu), namoonni tokko tokko kana irra darbanii hamma waggaa 18 fi 20 tti waliigaltee kiraa kanaan lafa qabatanii darbiinsa yeroo waggaa 12 kan danbii keessatti tumame sababeeffachuudhaan abbaa qabiyyee lafaa ta'uu fi dhaaltota lafaa akka isaan lafa hin dhaalle dhorkachuun akka jiru namoonni ni dubbatu.[391]

Waliigaltee kiraa lafaa jedhamee falmii mana murtiitti dhiyaatu keessatti yeroo tokko tokko deebiin kennamu ragaadhaan abbaa qabiyyee ta'eera jechuu yoo ta'u, kana qulqulleessuuf manneen murtii sadarkaa garaagaraa irra jiran murtiin kennan akkuma jirutti ta'ee, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa iyyanni akkasii dhaddachichatti dhiyaatu dogoggora ijoo dubbii malee

---

[388] Obbo Fayyisaa, Olitti yaadannoo lak. 341.
[389] Obbo Fayyisaa, Akkuma 388.
[390] Aadde Masarat Shifarraa, I/Aantuu I/G waajjira Bulchiinsaa fi Fayyadama Lafa Baadiyyaa Godina Shawaa Kaabaa, Af-gaaffii gaafa 17/2/2013 gaggeeffame
[391] Obbo Darribee Isheetuu, Qindeessaa Garee Waliddaa fi Qubannaa Seeraan Alaa, Waajjira Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Aanaa Ciroo

dogoggora bu'uuraa seeraa hin qabu jechuun yeroo galmee cufu ni mul'ata. Fakkeenyaaf, dhimma Bareechaa Itichaa fi Garramuu Caalaa,[392] yoo ilaalle, Waamamaan himata aanaa Ammayyaattii dhiyeesseen iyyataan qabiyyee lafa baadiyyaa sangaa tokko ta'u kan dhaalaan abba isaa irraa argate iyyataatti bara 2002-2010tti qarshii 1000'n itti kennennee 2011 naaf deebisi jennaan waan dideef manni murtii akka gad-lakkisiisuuf gaafateera. Iyyataanis gama isaatiin lafa jedhame bara 1990 kaasee fayyadama kan turee fi bara 1998 fi 2010 ragaaa abbaa qabiyyummaa waanan itti baafadheef kiyya jechuun falmeera. Manni murtiis dhimmicha dhagahaa ture akka waamamaaf gad-lakkisu murteesee.Manni murtii itti aanus ni cimse. Dhaddachi ijibbaataas dhimmichi ijoo ragaa madaaluuti malee dogoggora seeraa miti jechuun murtii jalaa cimse.

### 3.2.1.5. Ooyiruu Walitti Fiduu/Aansuu (Consolidation of Farm Plots)

Labsii bulchinsaa fi ittifayyadama lafaa baadiyyaa irrattii lafa qonnaa walitti aansuun akka danda'amuu kwt .8 jalatti ibsee jira[393], "*labsichi fedhii fi hayyamaa abba qabiyyee irratti hunda'uudhaan oyiruu qonnaa walitti aansuun ni danda'amaa "* jedhe ka'ee jira , Kayyoon lafa walitti fiduu lafa qonnaa abban qabiyyee tokkoo qabuu kan namaa biraatiin yoo wal-cinaa jiratee ykn lafa isaa inni qabuu kana jidduu laftii qonnaa nama biraa yoo jiraate lafa kana walitti aansatee akka itti fayyadamu taasisuufidha. Jijjiirran lafaa jajjabeefamuu qaba, keessattuu qabiyyee lafaa ciccitaa ta'ee bakka bakkaa jiruu walitti fidachuudhaaf bu'a qabeessummaan isaa dabaluuf faayidaa guddaa qaba. Haata'u malee, labsii kana keessatti dhimonni ifattii hin teenyee jiru, kuniis lafa walittii aansuu ilaalchisee labsichii lafa qonnaa irratti kan xiyyeefatedha, kana malees dhimmoota ittifayyadamaa lafa kanneen lafa qonnaan alaa waanta ibsee hin qabu. Lafa walittii aansuun kun fedhiidhaan abbotiin qabiyyee yoo waliigalaan illee akkaataan raawwii isaa ifa mitii, dabalataaniis waligalteen isaani kun akkataan inni mirkana'ee galma'uus ifaatti hin kayaamne. Mirgi ittifayyadama lafa nama tokkoo harka ture yeroo sababaa kanaan waljala darbuu ykn tokko gara tokkootti darbu dhimmoonni mirkaneessaa fi gaalmeessaa ragaa lafaa isaanii ykn haaromsa ragaa qabiyyee lafa isaanii ilaallatu labsichaa keessatti haala ifa ta'een ta'uu qaba, kana malees qabiyyeen lafaa kun qabiyyee waliinii abbaa warraa fi haadha warraa yoo ta'e yookiin abbootiin qabiyyee tokkoo ol ta'an waliin qabatanii kan jiran yoo ta'aan akkam

[392]Bareechaa Itichaa fi Garramuu Caalaa, MMWO, Dhaddacha Ijibbaataa, Lak. Gal. 333258
[393] Labsii BIFLBO Lak. 130/1999, Kwt.8

ta'aa kan jedhuuf dhimmoota kkf ifaatti waanti ta'ee waan hin jirreef rakkoo raawwii keessatti uumaa jira, kanaaf seerrichii dhimmoota murteessoo ta'an irratti hanqina waan qabuuf sababoota Kanaan falmiin lafa walitti ansuu ykn walittii fiduu yoo dhiyaatan murtee haqaa kennuu keessattis danqaa ta'uu danda'a.

Labsii qofa osso hin taanee dambiin bulchinsaaf ittifayyadama lafa baadiyyaa bahee dhimmi kana irrattii omaa osoo hin jedhiin, lafa walitti ansuu ilaalchisee qajelfamaa bahuun kan murta'u ta'a jedhee keewwata xiqqaa tokkoon cufee bira darbe, kanaaf dhimmi lafa walitti ansuu ykn walitti fiduu ilaalchisee akkaatan raawwii isaa ifa ta'uu dhaabun bal'inaan ni mul'ata, Dambiichiis mirga lafa waljijjiiruu akka haraatti ofkeessaatti qabatee kan bahee ta'us haallii raawwii isaani waan hin dirireef hojii keessatti rakkoo guddaa fiidaa jira.

### 3.2.1.6. Qabiyyee Lafaa Waljijjiiruu/Land Holding Exchange

Namin mirga ittifayyadama lafa baadiyyaa qabu tokkoo nama mirga ittifayyadamaa lafa baadiyyaa qabu biroo waliin qabiyyee isaa jijjiiraachuu akka danda'uu dambii bulchinsaa fi ittifayyadama lafaa baadiyyaa keessatti ifatti taa'ee jira. Haa ta'u malee, dhimmii Qabiyyee lafa waljijjiruu labsii bulchinsaa fi ittifayyadama lafaa baadiyyaa keessatti hin teenyee, ta'uus dambichaa keessaatti qonna hammayyaatiif yookiin ooyiruu fageenya irra jiru naannoo tokkotti fiduuf abbootiin qabiyyee ooyiruu isaanii waljijjiruu ni danda'u jedhee ifatti techisee jira,[394] kana malees kan labsii keessatti lafa qonnaa ykn oyiruu walitti fiduu ykn aansuu qofa jedhee ka'ee dambii keessattii haala ittifayyadamaa lafaa hunda hammachiseen, ***Qonnaan bulaa, Gamisa horsiisee bulaa yookiin Horsiisee bulaan qabeenya qonnaa qabiyyee lafa isaa irratti horate qabeenya qonnaa lafa biraa irra jiru nama biraa waliin wal jijjiiruu ni danda'a***[395]jechuun bal'isee ibsee jira.

Yeroo baay'ee jijjiiraa lafaa fi lafa walitti aansuun akka tokkootti yeroon hubatanuu ni mul'ataa haata'u malee lafa walitti aansuuf lafa waljijjiruun garagarakka ta'e hubachuun barbaachisaadha. Jechii qabiyyee walittii fiduu ykn walittii aansuu jedhu kan labsii irraa jiru dambiichaa keessattis haala ifa ta'een hin teechifamne, *"......qabeenya qonnaa qabiyyee lafa isaa irratti horate qabeenya qonnaa lafa biraa irra jiru nama biraa waliin waljijjiiruu ni danda'a*" jedha , hiikkoo jechichaa yoo ilaalamuu mirgii dambiin keessatti ibsame mirga bal'aa fakkaata (**waljijjiruu**).

[394] Dambii BIFLBO Lak 151/2005, Kwt. 11
[395] Dambii BIFLBO Lak. 151/200, Kwt. 11 (1).

Kanamalees, qabeenya lafa sana irra jiruu faanaa akka waljijjiraan dubbaata, kunis ***qabeenya qonnaa qabiyyee lafa isaa irratti horate qabeenya qonnaa lafa biraa irra jiru nama biraa waliin wal jijjiiruu ni danda'a jechuun techisee jira".***

Kanaaf akkataa labsii fi dambii keessatti ibsaman yeroo ilaalluu, dhimmii labsii keessa taa'ee qabiyyee walittii aansuu kan jedhuu yoo ta'uu hiikoon innii qabuus achumaa achitti ykn kan jidduu qabiyyee namaa tokkoo galee kan ilaallatu fakkaataa. Hiikkoon jechaa dambii keessatti taa'ee yeroo ilaalluu qabeenya horatamee faanaa akka qonnaan bulaan, gamisa Horsiisee Bulaa yookiin Horsiisee Bulaan qabeenya qonnaa lafa biraa irra jiru nama biraa waliin waljijjiiruu waan ibsu fakkaata. kanaaf hiikoon jechichaa qabiyyee bakkaa biraa jiru walitti aansuu qofaa osoo hin taanee bakka adda addaa yoo jiraate illee, akka waljijjiraan kan heyyaamudha,qabiyyee waljijjiruu kan jedhuu mirga bal'aa kan qabiyyee walitti fiduu ykn walittii aanuutti dabalamee dambiin baheedha. Falmii keessatti qabiyye walitti ansuufi waljijjiruun darbee darbee akka waan tokkoo ta'anitti yeroon hubatamuu ni mul'ata, kana malees yeroo falmiin akkasii ka'uu; waliigaltee isaani haalli inni itti mirkana'uufi galmaa'u ifaa waan hin taaneef akkaataan akkaata raawwii isaa irratti hanqina fidaa jira, kanamalees waligaltee jijjirraa lafaa erga tsaasisanii boodaa turanii waligalteen keenyaa nuf haadiigamuu jechuun ni mul'ata, fakkenyaaf falmii jijjiiraa lafaa tokkoo keessatti[396] MMA fi MMO waliigaltee jijjirraa lafaa taasifamee ture diigaamee bitaaf mirgi akkaa bakka duraa isaanitti deebi'aan murteesse, MMWODIj doggoggora seeraa isa bu'uura qaba jechuun murtii mana murtii jalaa diigee jira.

> *Falmii kanaaf sababaa kan ta'eewaamamtuun qabiyyee lafa bara 1997 iyyataan waljjijjirte bara 2008 keessa yeroo ittifayyadamuuf deemtu namoonni biraa isii dhorgee iyyataan irraa ittisuu didetti kan jedhuu yoo ta'u falmiin kun waggaa kudha afur booda waan dhiyaatef deegarsa seera kan qabu tahe hin argamne kunis akka labsii ittfayyadama lafa baadiyyaa Oromiyaa 130/1999 kew.8tti lafaa fedha abbaa qabyyeetin waljijjjiruun akka dandahamu tumameera.*
>
> *Haa ta'u malee, bitaa fi mirgi labsiin kun bahe hojii irra oolu dura kan waljjjiran waan taheejI yeroo jijjiraa raawatan kanatti seerrii jijjjiraan lafaa hin dandahamu jadhe*

[396] Hajii Hasoo fi Gishee Idiriis, MMWO, Dhaddacha Ijibbaataa, Lak.G. 299801, gaafa 17/07/2013 kan murtaa'e.

*dhorkee hanga hin jiree fi labsiin booda irraa bahe illee kan heyyamu waan taheef akkaatuma kanaan waljijjiranii osoo jiranii waliigaltee diiguu yoo barbaadan bu 'ura seera waliigaltee waligalaa sababa ibsuun kew. 1810 waggaa lama kessatti yokaan immoo haala kaminuu akka kew. 1845 waggaa kudha keessatti gaaffiii dhiheessuun waliigalteen digamee bakka duraanitti haa deebinu jadhamee gaafatamu osoo qabu, waliigalteen taasfame waggaa kudha sadii booda gaafiin dhihaate darbiinsa yerootiin kan daangahu tahe osoo jiru akkaatuma kanaan iyyataan mormii dhiheesse bakka jirutti,saababni waliigaltee akka diigamu taasisu illee uumamuun isaa wanni qabatamatti mirkanaahe osoo hin jiraatiin manneen murtii jalaa bira taruun waliigalteen akka diigamu murteessuun isaanii hanqina kan qabu tahe aragmeera. Walumaagalatti, waliigalten jijjiraa lafaa waggaa kudha sadii dura bitaa fi mirga jiddutti fedha isaanii irratti hundaahe raawwatame iyyataan qabyyee jljjiraan argate irratti misooma adda addaa gaggeesse osoo jiru, waamamtuun immoo qabiyye iyyataa irraa jjjiraan fudhate namni isii harkatti qabe osoo hin jiraatini ofii fedha isitiin ittifayyadamuu dhiiftee yaada qabiyyee koo kan duraanii waan misoomee jiruuf irrattiin deebi'a jadhuun osoo ittfayyadamaa lafa taa 'uun isaa mirkanaahe osoo jiru, waliigalte jljjiraa lafaa akka diigamu yeroo isaa malee dhihaatee fi sababa gahaa waliigalteen ittidiigamuu qabu illee osoo hin deegaramin waamamtuun akka naaf diigamu jattee waan gaafatee qofaaf iyyataan osoo mormuu manneen murtii jalaa waliigalteen jjjiraa lafaa diigamee bitaafi mirgi bakka dura turanitti haa deebi 'anii jachuun murtiin kennan dogoggora seeraa isa bu 'uraa kan qabu waan taheef sirraahu qaba janneera jechuun murtii darbee jira.*

Dhimma jijjirraa qabiyyee ilaalchisee hanqinni hubannoo darbee darbee ni mul'ata, kuniis imaammata lafa baadiyyaa waliigalaa Heerichaan taa'e gar-malee hubachuu jira. Heerichi kwt 40 (3) jalatti, lafti kan hin gurguramne ykn hin gedderamne, qabeenya gamtaa uummataa ti jedha. Hiikni lafa "gedderuu" jedhu, "jijjiiruu" kan jedhuun tokko miti. "Gedderuun" mirga qabeenyummaa lafichaa qabeenya ykn faayidaa biraadhaan dabarsuu yoo agarsiisu," jijjiiruun" garuu, qabiyyee lafa tokko qabiyyee lafa biraatiin wal jala dabarsuu kan jedhu mul'isa. Heeraa fi seeraan kan dhorkame isa duraati (gedderuu) malee, isa lammaataa miti.[397]

[397] Heera Mootummaa RDFI, Kwt 40 (3)

Kana waan ta'eef, abbootiin seeraa garaagarummaa kana hubachuun dhimmoota jijjiirraan wal qabatan isaan biratti dhihaataniif murtii seera qabeessa kennuutuu irraa eegama. dhimmaa jijjiiraa lafaa walqabuutu ilaalchisee qaamin dhimmi ilaaluu akkataa raawwi isaa dirirsuu qaba, uummannis kana irratti hubannoo argachuu qaba. Akkaataa labsii keewwata 8 jalatti tumameen fi dambii kwt 11 jalatti taa'ee jiruun hojii irra olchuuf haalii raawwii isaa qajelfama bahuun kan murta'a ta'a waan jedhameef hanga ammaatti qajeelfamin dhimma kanaaf bahe hin jiru.[398] Haala qabatama jiruun garuu qonnaan bulaan ofuma isaatiin lafa isaani yeroo waljijjiraani ni mul'ata, kunis rakkoo qajeelfama dhabuudhan kan ka'ee dhimmaa kana akkataa sirrii ta'een keessummeessuu irratti rakkoo ta'uu isaa marii garee qorannoo kanaaf taasifameen irra hubachuun danda'amee jira.[399] kanaaf Jijjiraa lafaa, lafa walintti ansuu illaalchisee akkataan raawwii isaa wanti ta'ee waan hin jirreef waajjirri bulchinsaaf ittifayyadama lafaa dhimma akkanaa keessumeessuf hudhaa akkaa itti ta'ee kaasani jiru.[400] keessatrtuu akkaataa mirgi ittifayyadama lafaa nama tokkoo gara nama biraatti ittin darbuu , dhimma jijjirraan lafaa gandaa tokko keessatti fi isaa alaa, dhimmi bal'innnii fi gosaa ittifayyadama lafaa garagar ta'uu ifa ta'uu dhabuun hudhaa guddaa akka ta'ee kaasaani jiru.

Dhimma kana faanaa muuxxannoo seerota lafaa naannoolee Biroo yoo ilaalluu, kan naannoo oromiyaa irra foyyee akka qaban agarsisaa fakeenyaaf Seera lafaa Naannoo Beenishan-gul gumuuz[401] Namni kamiyyuu mirga qabiyyee lafa baadiyyaa waljijjiiruu akka danda'uu if waliigalteen kunis seera qabeessa ta'uu kan danda'u abbaa taayitaa bulchiinsa lafa baadiyyaa aanichaatti dhiyaatee yoo galmeeffame akka ta'e danbii bulchiinsaa fi fayyadama lafa baadiyyaa Naannichaa keessatti tumameera.[402]Waliigalteen waljijjiirraa qabiyyee lafa baadiyyaa haala kanaan taasifamus standard bal'ina lafaa cittuu (parcel) tokkoo murtaa'ee gadi ta'uu akka hin qabne danbichi daangesseera.

Seeera lafa Naannoo Amaraa yoo ilaalluus[403], Abbaan qabiyyee lafaa kamiyyuu lafa isaa walitti siskachuuf ykn aansachuu akka danda'uu ka'ee jira, kuniis gandaa inni keessa jiratuu ykn gandaa biiroo keessaa ta'uu ni danda'a. Waligalteen jijjiiraa lafaa taasifamuus waajjira bulchinsaa fi

---

[398] Marii Garee Ogeessotaa Waajjira Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Aanaa G/Jaarsoo fanaa taasiniee
[399] Marii Garee, Akkuma 198[ffaa].
[400] Marii Garee Hoggaansaa fi Ogeessotaa Waajjira Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Aanaa S/Hawaas.
[401] Labsii BIFLB Beenishaangul Gumuz Lakk.85/2002
[402] Danbii Bulchiinsaa fi Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Beenishangul Gumuz, kwt.8
[403] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak.252/2009, Kwt.20

ittifayyadama lafaa aanichaatti galma'uu qaba[404], laftii jijjiiraan irratti taasifamuu qabiyyee abba warraaf haadha warraa yoo ta'ee lamaan isaani waligaluu qabaan labsichii ifatti ka'ee jira, kana malees waligalteen jijjirra, lafaa taasifamu akka jajjabeeffamuu ykn deeggarsii onnachiiftu gama mootumman akkaa godhamuuf ka'ee jira.[405]

Labsii naanniichaa hojii irra olchuf dambii bahee keessatti haalli raawwii jijjirraa lafaa ifatti ka'amee jira[406], kuniis jijjirran lafaa kamuu waligaltee barreeffaman akka ta'uu fi waligalteen taasifamuu kana keessatti dhimmoon ibsamuu qabaan tarreesee jira innis, maqaa abba/abbotii qabiyyee, haala gabbina lafichaa, bal'ina lafaa, daangeessitootaa, bakka inni itti argamuu gandaa, goxii fi bakki addaa yoo jiratee) ibsamuu qaba jedha.[407] kun akkumaa jirutti ta'ee gandaa baadiyyaatti mana jireenyaa ijaruuf lafa waljijjiruun akka danda'amu dambichaa keessatti ifeera jira,[408] akkataa damichaatiin jijjirraan lafaa haala kanaan taasifameef jajjabeessuuf jecha, waraqaan raga qabiyyee lafa isaanii bilisaan akka haaromfamuu fi hojiin safarrii fi mirkaneessa qabiyyee lafa isaanis bilisaan kan hojjetamuuf ta'u isaa ifaatti ka'ee jira.[409]

Waan kana ta'eef Muuxxannoo naannoo biroo yeroo ilaalluu akka naannoo oromiyaatti dhimmoota lafa waljijjiiruu fi lafa walitti aansachuu ilaalchisee kanneen labsii fi dambii keessatti ibsaman, akkaataan raawwii isaani hanqina guddaa waan qabaniif qaama dhimmi ilaaluun qajelfamaa ifa ta'ee akka itti bahuu ykn seerichii akka foyyaa'u osoo ta'ee gaariidha.

#### 3.2.1.7. Hirtaa

Hirtaan malootaa namin mirga ittifayyadama lafaa qabu qabiyyee isaa malaa aadaatin nama mirgaa ittifayyadama lafaa hin qabnee faana waligaltee taasisuun bu'aa lafa sana irraa argamuu waliin hiree ykn qixxeen ykn akkaata waligaltee isaan raawwataniin kan ittifayyadamaniidha. |Keessaattuu dubartoonni, ijoolleen abbaa fi haadha hin qabne, qaama miidhamtoonni, dulloonnii fi kkf, qabiyyee lafa ofii nama ykn qaama misoomsu wajjiin galii qooddachuudhaan waliigaltee

[404] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak.252/2009, Kwt.20(3)
[405] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak.252/2009, Kwt.20(4)
[406] Dambii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak.159/2010, Kwt.10
[407] Dambii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak.159/2010, Kwt.10(2)
[408] Dambii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak.159/2010, Kwt.10 (3)
[409]Dambii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak.159/2010, Kwt.10 (4)a-b

uumanii fayyadamuu danda'u[410]. Waliigalteen kun yeroo ji'a jaha caaluuf kan waliigalame yoota'e, barreeffamaan ta'ee Biiroo biratti raawwatamuu qaba.[411]

Haata'u malee, qabatamaatti, waliigalteen hirtaa akka seerri barbaadu kanatti barreeffamaan ta'ee Biirootti raawwatamaa kan jiru utuu hin taiin, gareen waliigalan lamaan waluma amanuudhaan afaaniin godhatu. Waliigalticha barreeffamaan kan godhatan yoo ta'emmoo, waraqaa waliigaltee sana ofuma bira kaa'uu malee Biirootti beeksisuun hin jiru. Falmiin hirtaa lafaas kan mul'atu, yommuu gareen lamaan waliigaltee bifa kanaan raawwate bu'uura godhachuudhaan wal waakkatani dha. Wal waakkiin kun oomisha laficharraa argame waldhowwachuun ykn immo lafuma waliigalteen irratti ta'e sanaan abbaan qabiyyee ana malee isa miti jechuun ta'uu danda'a.

Falmiiwwan gosa akkasii kana hiikuuf waanti rakkoo ta'u ragaan dhibuu isaati . Sababiin isaa durumaanuu waliigaltichi afaaniin waan ta'eef, waliigalteen hirtaa jiraachuu fi jiraachuu dhiisuu isaa mirkaneessuun mataansaa salphaa miti. Baratamaan manni murtii ragaama namaatiin qulqulleessaa jira. Fakkeenyaaf, falmii hirtaa lafaa tokko irratti[412] waliigalteen qooddii jiraachuu fi jiraachuu dhiisuusaa manni murtii jalaas ta'e, MMWO, dhaddachi ijibbaata ragaa nama sadii irratti hundaa'e. Kun immoo waliigalteen qabeenyaa hinsochoone ilaalchisee ta'u, barreeffamaan ta'ee galmaa'uu qaba yaada jedhu wajjiin hin deemu.[413] Gabaabumatti, falmii hirtaa lafaa hiikuu keessatti ragaan dhibuun danqaa yoo ta'u maddi rakkina kanaa immoo qotee bultootni ulaagaa seerri barbaadu maal akka ta'erratti hubannoo dhabuu isaaniiti. Kanaaf, waliigalticha akka seerri gaafatutti barruun raawwachuu fi qaama ilaalu biraatti galmeessuun rakkoo kanaaf furmaata ta'a

[410] Labsii BIFLBO Lak.130/1999, Kwt 6 (14)
[411] Labsii BIFLBO Lak. 130/1999, kwt 6 (15) 9
[412] Tafarii Baqqalaa, Falmii Lafa Baadiyyaa Oromiyaa Hiikuu Keessatti Rakkoowwan Qabatamoo Yeroo Ammaa Mul'atan: Seeraa fi Baratama, 2001, F-F 68-69; Dhimma Iyyataa Zawudee Buzunaa fi Waamamaa Mokonnin Gabayyoo (MMWO, Ijibbaata, Lak Galmee 25517)
[413] SHH kwt 1723. Contracts relating to immovable (1). A contract creating or assigning rights in ownership or bare ownership on an immovable or a usufruct, Servitude or mortgage of an immovable shall be in writing and registered with a court or notary. (2) Any contract by which an immovable is divided and any compromise relating to an immovable shall be in writing and registered with a court or notary.

#### 3.2.1.8. Waliin Misoomsuu

Namni mirga itti fayyadama lafa baadiyyaa qabu qabiyyee isaa kana nama biraa waliin waliin misoomsuu akka danda'u seerri ifatti kaa'ee jira.

*Abbaan qabiyyee lafa mirga itti fayyadamaa lafaa qabatee abbaa qabeenyaa walii galtee uumuudhaan lafa misoomsanii waliin ittifayyadamuu ni danda'u. Waliigalteen kunis Biiroon mirkana'ee galma'uu qaba.*[414]Dambiin bulchiinsaafi ittifayyadama lafaa naannoo Oromiyaas, *Qonna hammayyaas ta'e kan aadaa qabiyyee lafaa waliin misoomsuu ilaalchisee waliigalteen taasifamu kamiyyuu barreeffamaan ta'ee, Waajjira biratti mirkanaa'ee galmaa'uu qaba jedhee* irra deebiin teechisee jira.[415]Lafti waliigalteen waliin misoomsuutiif oole *sababa qabiyyee lafaa waliin misoomsuutiin laficha abbaa qabiyyee irraa karaa kamiyyuu gara qaama waliin misoomsuuf waliigalametti dabarsuun dhoorkaadha jedhee jira*[416]. Kana malees, *lafa waliin misoomu ilaalichisee waliigalteen yeroo taasifamu bal'ina lafa waliin misoomuu, gaheen waliigaltootaa maal akka ta'e, yoo addaan bahan haala qoodinsa qabeenya dhaabbataa kan akka Bunaa, Maangoo fi kan kana fakkaatan, qoodiinsa baasii adda addaa fi qabeenya waliinii kan biroo waliigaltee keessatti ifatti taa'uu qaba,kan hin ibsamne yoo ta'e waliigaltichi fudhatama hin qabu*[417] *jechuun dambichaa keessatti ife jira.*

Kanaaf mirga lafa baadiyyaa waliin misoomsuu labsiichaa fi dambiichaatiin keessatti ifee yoo ilaallu ammas akkaatan raawwii isaani ifa hin taanee jiru, Dambicha keessatti abbaa qabeenyaa jechuu dhiisuus, kan Labsii keessatti abbaan qabeenyaa jedhuu maaliin ibsama kan jedhu gaaffii kaasa, kana malees haangii dheerina turtiin waliigaltee walin misoomsuu kunis hangamiif akka waligalamuu waanti ta'ee hin jiru garuu *qonna hammayyaas ta'e kan aadaa qabiyyee lafaa waliin misoomsuu ilaalchisee waliigalteen taasifamu kamiyyuu barreeffamaan ta'ee, Waajjira biratti mirkanaa'ee galmaa'uu qaba jedhe.*

Falmii lafaa sababaa kanaan ka'aan yoo ilaalluu waligalteen taasifaman mala aadaatin afaanin waligaluun jira, kana malees waligalteen yoo umaamus waajjira biratti fidanii galmeesisuun hin

[414] Labsii BIFLBO Lak.130/1999, Kwt 10 (8 )
[415] Dambii BIFLBO Lak.151/2005,Kwt 7(7)
[416] Dambii BIFLBO Lak.151/2005, Kwt 7(8)
[417] Dambii BIFLBO Lakk.151/2005,Kwt 7(9)

baratamne sababaa kanaan dhimmichii waggaa dheera yoo turu sababaa adda addaa uumuun darbinsaa yeroo ittifayyadamuun mirga isaani dhaabun ni mul’ata, kana malees seerrrii dhimmi kanaaf rogummaa qabuu seera waligaltee hariroo hawaasaatimoo kan labsii fi dambii bulchiinsaf ittifayyadama lafa baadiyyaati kan jedhu yeroo falmii kaasuu ni hubatama,Fakkenyaaf dhimmaa MMWODhIJ tokkoo yoo ilaalluu[418]; Dhimmichi**:** waliigaltee walin misoomsuu oomisha bunaa kan ilaaluudha, garuu seerrii hojii irra olee seeraa hariroo hawaasaati.

*Akkuma olitti ibsame waliin fayyudamuuf guyyaa 15-3-2003 waliigalanii jiru. Kana yoo tahe immoo hariiroonsaanii hariiroo waliigaltee wana tahuuf mormii darbiinsa yeroo waamamaan kaasef tumaan rogummaa qabu tumaa waliigaltee SHH kwt.1845 taha. Manni murtii jalaa akka iti gaafatamummaa waliigalteen alatti tumaa SHH kwt.2143 fudhachuun darbiinsa yeroon daangaha kan jedhe tumaa rogummaa hin qabnee hojiirraa waan oolcheef fudhatama hin qabu. Erga bara 2003 hanga ammatti gareewwan kun wal himataa jiruu. kanaafuu himanni kun darbiinsa yeroon kan daangahu miti. Kanaafuu, manni murtii jalaa himata iyyattuun dhiyeesite darbiinsa yeroo waggaa lamaan daangaha kan jedhe dogoggora tahee argama. Manni murtii waliigalaa dogogora kana sirreessuu utuu qabu kanuma cimsuunsaa dogoggora tahee argama jechuum murteesse jira.*

Dhimmaa biraaObbo Kabbadaa Taaddasaa (himataa) fi Obbo Amiinuu Jamaal (Himatamaa ) , Mana Murtii Aaanaa Baddallee galmee lakk.40611 *mana murtii Aanaa Baddalleetti, galmee lakk.40611 haa ilaallu.. Dhimmichis himata himataan jalaa gaafa 28-02-2012 Mana Murtii Aanichaatti dhiyeesseen, waliigaltee afaanii bara 1982 keessa himatamaa jalaa waliin taasiseen, lafa duwwaa sangaa saddeet(8) ta’u kan bosona ofirraa qabu ciruun buna dhaabee misoomsuun qixxee fayyadamuuf waliigaluun, inni bu‟uuruma waliigalameen bunicha dhaabuun bara 1982 irraa eegalee hanga 2011tti waliin qixxee fayyadamaa jiranii, himatamaan bara 2009 keessa buna kuntaala sadii qixxee funaane akka isa dhowwate, bara 2011 keessa immoo buna walakkaa walin qixxee funaannatanii, walakkaa immoo kan kuntaala afur ta’u akka hin funaanne akka isa dhorke ibsuun tilmaamni buna funaaname dhowwatamee qarshii gahee isaa qarshii 7000 (kuma torba) akka kaffaluuf, bunni misoome jiru gaheen isaa walakkaan gosaan akka qoodamuuf ykn*

[418] Adde Mastawat Tolosaa fi Biraanuu Tolasaa, MMWO, Dhaddacha Ijibbaataa, Lak.G. 336236, gaafa 29/03/2013 kan murtaa’e

*tilmaama qarshiin kuma 150,000(kuma dhibba tokkoofi shantama) akka kaffalamuuf gaafateera. Himatamaan gama isaatiin deebii kenneen, Ashaakiltiin bunaa falmiif sababa ta'e qabiyyee abbaa isaa ta'uu ibsuun, bunni kunis abbaan isaa kan dhaabeefi himatamaan immoo yeroo abbaan isaa bara 1982 du'aan boqatu dhaalaan argachuun waraqaa eenyummeessaa abbaa qabiyyummaa akka itti qabu ibsuun, himatan mirga qabiyyee bunaa kana isa waliin qooddatu hin qabu, akkasumaas waliigalteen waliin misoomsuus yoo ta'e bu'uura labsii Bulchiinsaafi Itti Fayyadama lafa Baadiyyaa, lakk.130/99fi dambii labsicha raawwachisuuf bahe, lakk.151/2005tiin ulaagaa guutee wanti ragga'e hin jiru, waliigalteen afaaniin raawwatamu kunis fudhatama hin qabu jechuun himanni isaa bu'uura SDFHH keewwata 33(2) kufaa akka ta'uuf gaafateera. Manni murtii kunis falmii bitaafi mirgaa ragaa waliin dhagahuun, himataan qabiyyee jedhame irratti buna parsantii 50 dhaabuun ragaadhaan mirkanaa'uus, seerummaan bunni kun qixxee akka qoodamuuf gaafatame bu'uura labsii 130/99fi dambii 151/2005 keewwata 7(7fi 8) waan hin gunneef bu'aa seeraa hin qabu jechuun kufaa taasisee jira.*

Akkaata Dambii lakk 151/2005 kwt 7(7-8) tti Qonna hammayyaas ta'e kan aadaa qabiyyee lafaa waliin misoomsuu ilaalchisee waliigalteen taasifamu kamiyyuu barreeffamaan ta'ee, Waajjira galmaa'uu qaba akka qabuu fi sababa qabiyyee lafaa waliin misoomsuutiin laficha abbaa qabiyyee irraa kara kaminiyyuu gara qaama waliin misoomsuuf waliigalametti dabarsuun dhoorkaadha akka ta'ee seerichi ifaatti ka'ee waan jiru, haawasin keenya kana irratti hubannoo gahaa ta'e argachuu qabu.

Gama biraatiin, namin mirga ittifayyadama lafa baadiyyaa qabu qabiyyee isaa guutuu waligaltee waliin misoomsuu raawwaata moo akkuma kiraa lafa walakaa qabiyyee isaati kan jedhu haala ifa ta'een hin techifamne. Kana malee dambichaa keessatti *laftii waligalteen walii misoomsuutif olee sababa qabiyyee lafaa waliin misoomsuutiin laficha abbaa qabiyyee irraa kara kaminiyyuu gara qaama waliin misoomsuuf waliigalametti dabarsuun dhoorkaadha* gama kanaan rakkoon qabatamaan mul'achaa jiru, hojii irra oolmaa seerichaa irratti, dambichaa keessatti *haala ifa ta'een ka'amuus* harka lafa jalaatiin qarshii kennuun waligaltee liqaa taasisuun, qabiyyee kana irratti biqiltoota dhaabbata irraa dhabuun yeroo dheeraa ittifayyadamuun yeroo namoota harka qalleyyii, qamaa midhamoo, daa'iman abbaaf haadha hin qabne, mangudootaa ykn dullomoo ta'aan irraa mirga isaani guutuma gutuutti mulquun gara ofitti naanneefatan darbe darbee

mul'achaa jira[419]. Kanaaf, hawaasaaf hubannoo kennuun cinatti turtii waliigaltichaa haala ifa ta'een seera keessatti ka'amuu qaba. Kanaa malees waliigalteen abbootii qabeenyaa waliin ta'uuf qonnaan bulaan ofi isaati walwaliin taasisuu jidduu jiru maal ta'uu qaba kan jedhu ifa ta'uu qaba kan jedhu ifa miti, Sababiin isaan akkuma kiraa lafa aadaa fi hammayaa ta'e garagarummaa qabu qonnii hammayyaa fi kan aadaas garagarummaa qabu waan ta'eef ulaagaan barbaachisoo ta'an ka'amuu qabu, gama kanaan muuxxannoo naannoo Amaraa yoo ilaalluu seerrii bulchinsaa fi ittifayyadama lafaa isaani waan gaarii qaba[420], haalli raawwi isaas hanga tokko ifa fakkaata,[421] kuniis abban qabenyaa waliin waliin misoomsuuf waligalteen taasifamuu dhimmonni ilaalcha keessa galuu qaban ka'amanii jiru, isaaniis;- 1) Teekinolojii inni ittifayyadamu hawaasa naannoo sanii kan fayyaduu ta'uun isaa 2) Qonnaan bultonnii teeknolojii inni ittifayadamuu kana irra barnoota ykn muxxannoo gaarii argatu yoo ta'ee, 3) Omishii achitti omishamee dursa qonnaan bultootaa kan dhiyeessuu ykn galtee qonnaa isaanif kan ta'uuf yoo ta'e fi 4) Qonnaan bultoota naannoo sana kan hin buqqisinere yoo ta'ee waliin misoomsuu danda'a jedhe akka ulagaatti ka'ee jira. Kanaaf labsiin bulchinsaaf ittifayadama lafa baadiyyaa naannoo keenyaa fi dambii labsii kana raawwachisuuf bahee keessatti halli waliin misoomsuun hanga ta'ee ibsamuus dhimmoota murteessoo raawwii keessatti nama rakkisaan kanneen armaan olitti xinxala keessatti ka'aan of keessatti hamate osoo seerichii foyyaa'ee bahee gaarii ta'a.

### 3.2.1.9.Qoodinsa Qabiyyee Haadhawarraafi Abbaawarraa

Yeroo abbaa warraa fi haati warraa walhiikan, qabiyyee lafaa qixxeetti ykn ammoo mirga jarri lamaan qabiyyichaa irraa qaban irratti hundaa'ee ni qoodama. Kana qofa osoo hin taane, qabeenyi qabiyyichaa irraa jirus kan waliin horatamee yoo ta'e, akka qoodamu tumaaleen seeraa, keessattuu Heera Mootummaa fi Seera Maatii ni ifoomsuu. Heerri mootummaa Naannoo Oromiyaa maatiin ka'umsa bu'uura uumama hawaasaati, kanaaf hawaasichaa bal'aa fi Mootummaa irraa eegumsa argachuuf mirga akka qabu tuma.[422] Kana malees,fuudhaa fi heerumni, hayyama bilisaa fi guutuu warra wal-fuudhanii irratti hundaa'a[423], dhiiraa fi dubartiin umurii fuudhaa fi heerumaaf seeraan murtaa'e gahan sanyiidhaan, sabaan, sab-lammiidhaan yookiin amantiidhaan yookaan sababa biraan garaagarummaan otoo isaan irratti hin godhamiin

[419] Obbo Shigidii Guddataa, Itti gaafatamaa waajjira Bulchiinsa Godina Arsii, gaafa 10/02/2013 kan gaggeeffame
[420] Labsii Dhaddacha Ijibbaataa Naannoo Amaaraa Lak.252/2009, Kwt.18
[421] Dambii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak.159/2010 kwt.8(a-d)
[422] Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa labsii lakk. 46/1994 Kwt 34(3)
[423] Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa labsii lakk. 46/1994 Kwt 34(2)

fuudhuu-heerumuu fi maatii hundeeffachuudhaaf mirga akka qabanii fi fuudhaaf heerumni ragga'ee jiru yeroo hiikamu walfuutonni mirga wal qixa ta'e akka qaban tuma.[424] Kana malees, yeroo hiikkaa gaa'ilaa mirgaa fi dantaan ijoollee kabajamu akka qabu kaa'ee jira.[425]

Heera kana keessattis dubartoonni, mirgootaa fi eegumsa heeraan tumamee fayyadamuu irratti warra dhiiraa wajjiin mirga qixxee akka qaban tumee jira.[426] Kana malees, fuudhaa fi heeruma irratti dhiira wajjin mirga wal qixa ta'e akka qabaanii[427] fi qabeenyaa fi qabiyyee lafa isaanii irraa fayyadamuu, dabarsuu, bulchuu fi to'achuu ilaalchisee dhiira wajjiin mirga wal qixaa qabu jedhee jira.[428] Dhimmi kun heera mootummaa federaalaa keessattis haala ifa ta'een taa'ee jira.[429]

Gaa'ila irratti gaa'ilaa raawwaachuu ilaalchisee '*Namni kamiyyuu fuudhaa fi heeruma seeraan ragga'ee duraan jiru osoo qabuu fuudhaa fi heerumni kun diigamuu yookiin haqamuu isaatiin dura fuudhaa fi heeruma biroo kan raawwate yoo ta'e; hidhaa salphaan; yookiin dubbichi ulfaataa yoommuu ta'u keessumattuu balleessichi haala dhugaa ofiisaa dhoksuun nama fuudhaa fi heeruma lammaffaa isa waliin raawwate beekaa kan dogoggorse yoo ta'e; hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama'* jechuun tumaan seera yakkaa dhorkeera.[430] Haa ta'u malee, haala adda ta'een fuudhaa fi heerumaa irratti fuudhii fi heerumni kan raawwatame bu'uura fuudhaa fi heeruma seeraa rogummaa qabuun, haala addaatiin sirnoota amantiin yookiin aadaa irratti hundaa'anii kan raawwataman beekamtiin kan kennameef yoo ta'e; adabbiin armaan olitti ibsame raawwatamaa hin ta'u jechuun seerumti yakkaa tumee jira.[431] Akka naannoo Oromiyaatti, abbaan warraa tokkoo haadhaa warraa lamaa fi isaa ol yeroo qabaatan qabatamatti ni mul'ata. Gosa sirna raawwii gaa'ilaa ykn sababii diiggaa gaa'ilaan adda addummaan osoo hin godhamiin diiggaan gaa'ilaa bu'aawwan walfakkaataa akka hordofsiisus tumameera.[432] Kanaaf dhimmoonni akkasii yeroo rawwataman qoodinsa qabiyyee irratti falmiin yeroo ka'u akkaata

---

[424] Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa,Labsii Lakk.46/1994, Kwt 34(1)
[425] Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Labsii Lakk.46/1994, Kwt 34(1)
[426] Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Labsii Lakk.46/1994, Kwt 35(1)
[427] Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Labsii Lakk.46/1994, Kwt 35(2)
[428] Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Labsii Lakk.46/1994, Kwt 35(9)
[429] Heera mootummaa RDFI, Kwt. 40/3 fi kan naannoo Oromiyaa 41/3, Kwt.35 (7), 36(7)
[430]Seera Yakkaa Mootummaa RDFI, Kwt.650(1) (*Whoever, being tied by the bond of a valid marriage, intentionally contracts another marriage before the first union has been dissolved or annulled, is punishable with simple imprisonment, or, in grave cases, and especially where the criminal has knowingly misled his partner in the second union as to his true state, with rigorous imprisonment not exceeding five years*)
[431] Seera Yakkaa Mootummaa RDFI, Kwt 651
[432] Seera Maatii Oromiyaa, Kwt 96 fi 122

kamiin furmaata argata kan jedhu seerota rogummaa qaban (Heera mootummaa, labsii fi dambii bulchiinsaa fi ittifayyadama lafaa fi tumaalee seera maatii fi hariiroo hawaasaa) iddoo tokkotti xiinxaluun barbaachisaa dha. Keessattuu, qabiyyee lafa waliinii fi kan dhuunfaa adda baasuun; akkasumas, dantaa daa'immanii kabachisuun dhimmaa xiyyeeffannoo guddaa barbaadu dha.

Tumaalee seerota maatii mootummaa fedeeraalaa[433] fi kan naannoo Oromiyaa yoo ilaallu, "qabeenya gaa'ila keessatti horatame qabeenya abbaa warraa fi haadha warraa akka ta'eetti tilmaamni seeraa ni fudhatama.[434] Abbaa-warraa fi haadha-warraa keessaa qabeenyichi kan dhuunfaa kooti kan jedhu dirqama mirkaneessuu ni qaba.[435] Qabeenyi haati-warraa ykn abbaan-warraa yeroo walfuudhan dhuunfaatti qaban qabeenya dhuunfaa isaanii ta'a.[436] Erga walfuudhanii boodas kennaadhaan ykn dhaaltummaan dhuunfaatti argatan qabeenyuma dhuunfaa isaanii ta'a. Akkasumas, qabeenya bittaa gurgurtaatiin argamu ilaalchisee abbaa warraa fi haati-warraa erga walfuudhanii booda qabeenya dhuunfaa isaanii jijjiiruun argatan, qabeenya dhuunfaa isaanin bitatan ykn maallaqa qabeenya dhuunfaa isaanii gurguruun argatan qabeenya dhuunfaa isaanii akka ta'u Seerri Maatii Oromiyaa ni tuma.[437]

Qabeenya dhunfaa kooti namni jedhu yoo dursee galmeessifatee yookiin gaaffii mana murtiitti dhiyeessuun manni murtii yoo raggaasise qofa qabeenya dhuunfaa isaa akka ta'u seerichi kaa'eera.[438] Manni murtii yoo hin raggaasifne ykn gaaffiin yoo hin dhiyaanne, akka qabeenya waliiniitti tilmaamama jechuu dha.[439] Dabalataanis, qabeenya carraaqqii dhuunfaatiin qabeenya dhuunfaa ykn waliinii irratti taasifamu irraa argamu, fuudhaa fi heeruma booda qabeenya bittaa fi gurgurtaan qabeenya dhuunfaa irraa argamu kamiyyuu, kennaa ykn dhaala lamaan isaniif kennamu (yoo waliigaltee kennaa ykn dhaamoon ibsame malee) qabeenya waliinii akka ta'u ifatti tumameera.

Kanaaf yeroo gaa'illi diigamu ykn hiikkaan taasifamee abba warraa fi haadha warraan qabiyyeef qabeenyaa qofaa isaanitti qabaniin ala, qabiyyee fi qabeenyii waloo isaani irratti qoodinsii ni

[433] Seera Maatii Mootummaa RDFI, kwt 36
[434] Seeraa Matii Oromiyaa, Kwt 79 (1),113(1),117.
[435] Seera Maatii Mootummaa RDFI, Kwt 63
[436] Seera Maatii Oromiyaa, Kwt.73
[437] Seera Maatii Oromiyaa, Kwt.74(1)
[438] Seera Maatii Mootummaa RDFI, Kwt 58(2)
[439] Seera Maatii Oromiyaa, Kwt.78 (2)

gaggeeffama jechuu dha. Kanaaf, qoodinsa qabenyaa/ qabiyyee raawwachuuf, qabiyyee fi qabeenya kamtu kan dhuunfaa fi kamtu immoo kan waliinii akka ta'e adda baasanii murteessuu, akkaata mirgi daa'immani kabajamuu yookiin faayidaa fi fedhiin daa'immanii itti eegamuu adda baasuun xinxaluun dhimmi walxaxaa fi xiyyeeffannoo barbaadu ta'u kan namatti agarsisuudha.

Labsii fi Dambii bulchiinsaa fi ittifayyadama lafaa naannoo keenyaa yoo ilaallu hiikaan gaa'ila yeroo raawwatamu qabiyyee lafa akkaata kamiin qoodinsii gaggeeffama kan jedhu ifatti waan kaa'ee hin qabu, haa ta'u malee qajeeltoowwan seeraa armaan olitti ibsamaniin qoodinsi qabiyyees kan gaggeeffamu yoo ta'e akkaata gahee gahee isaanitiin waraqaa ragaa qabiyyee mirga itti fayyadama lafaa akka argatan seericha keessatti ibsamee jira.[440] Kana malees, Abbaan warraa yookiin haati warraa keessaa tokkoo yoo du'an qabiyyeen isaan waliin qaban keessaa gaheen nama jiru qoodamee yoo dhaaltota qabaatan akkaataa seera dhaalmaatin kan qoqqoodamu ta'a. jedhee kaa'ee jira.[441] Abbaa warraa fi haati warraa addaan yoo bahan bal'ina qabiyyee nama tokkoo qoodaan argatu kan midhaan nyaataa heektaara 0.5 kan biqiltuu dhaabbataa 0.25, kan jallisiin misoomu heektaara 0.25 ta'u akka qabu seerichi ibsamee jira[442].
Akkaata seerichaatti qabiyyee lafa baadiyyaa addaan qoodamuu hin danda'amne kan istaandardii armaan oliitti ibsameen gadii ta'an akkaata abbaa warraa fi haati warraa wal-hiikan irraa fayyadamuu danda'an kaa'ee jira kunis;-[443]

a) Bu'aa laficha irraa argamu shallaguun kan waggaa murtaa'ee yeroo tokko yookiin waggaa waggaan Abbaa-warraa yookiin isaa keessaa namni tokko isa tokkoof kaffaluun akka ittifayyadamu gochuun yookiin;
b) Abbaa-warraa fi Haati-warraa ofi isaaniitii bifa kiraan walii galuun yookiin Maallaqa kiraan laficha irraa argamu qoodachuudhaan yookiin;
c) Abbaan-warraa yookiin Haati-warraa dabare dabareen ittifayyadamuudhaan yookiin;
d) Qonnaan bulaa beenyaa kaffalee fudhatuuf mirga ittifayyadama lafaa dabarsuudhaan yookiin;
e) Tokkoon isaanii fedhii mataa isaaniitiin isa tokkoof beenyaa fudhatee gadhiisuudhaan ittifayyadamuu ni danda'u jechuun ka'ee jira.

---

[440]Labsii BIFLBO Lak.130/1999, Kwt 15(8/7); Dambii BIFLBO Lak.151/2005, Kwt 15(13).
[441] Dambii BIFLBO Lak.151/2005, Kwt 15 (12).
[442] Dambii BIFLBO Lak.151/2005, Kwt 15 (13)
[443] Dambii BIFLBO Lak.151/2005, Kwt 8 (a-e)

Haata'u malee qoodinsa qabiyyee waliin walqabatee dhimmonni qabatamaan falmii keessatti ka'aan heddummachaa jiru, jalqabaa abbaa warraaf haatii warraa yeroo gaa'ila ijaarratan kennaadhaan lafa maatii isaanii irraa argachuun waggaa hedduuf waliin itti fayyadamaa turan gara maqaa isaanitti naanneessuu irratti hanqinni ni mul'ata. Sababaa kanaanis, yeroo waldiddaan uumamu walwalii isaanii haaluu fi maatii isaaniitiin wakkaatamuun jira, kunis;- lamaan isaanii keessaa tokko qabiyyeen kan keenya miti, kan abbaa ykn haadhaa kooti, waraqaan ragaa maqaa keenyaan hin jiru, gibirris maqaadhuma maatiin itti gabbaramaa jira jechu,[444] qabeenya fageessuu, yookiin gara obboleessaa yookiin obboleettitti galmeessisuuf yaaluun,[445] qabiyyees qabeenyaas hin qabnu nutii hojii guyyaa hojjenne jiranna jechuun sababa addaa addaa uumuun ni mul'ata, Kana malees, qoodiinsa kana keessatti isheen lafa hin qabdu; isheen lafa koo irratti dhufte falmii jedhuun[446] dubartii qoodinsa qabiyyee malee bilisa baasuun jira.[447] Gama biraatiin immoo, lafuma kana addaan qooddachuuf jedhanii dubartoonni dhiira hedduutti heerumuun, dhiiroonnis dubartoota lamaaf isaa oli wajjin gaa'ila raawwachuun (Bigamous and polygamous), erga heerumaanii boodaa gaa'ilaa hiikuun lafa irraa qooddachuunis jira.[448]

Haata'u malee, manneen murtii falmiin lafaa qoodinsa qabiyyee yeroo ka'u akkaataa gahee isaaniitiin qixxeetti akka qoodamuuf murteessaa jiru. Fakkeenyaaf, dhimma Mana Murtii Aanaa Alaltuu tokko irratti[449]*himattuun lafa qonnaa fi qabeenyaa isa irra jiru, horii gaanfaa tarreessuun abbaa warraa isaanii kana faana waggaa 22 kan itti fayyadamaa turan ta'uu ibsuun akka gaheen ishee qoodamuuf gaafatteetti. Himatamaan "lafti isheen dhiyeessite lafa dhaaltummaan obboloota kiyya faana waliin fayyadamnudha; horiin isheen dhiyeessite kan namaati; aannaan elmannee eegaa akka itti jiraannuuf malee kan keenya miti; mi'a manaa tilmaama qr. 20,000 isheetu fudhatee bahee gaheen koo naaf haa qoodamu, midhaan nyaataaf fayyadamnee fixinee jirra"* jechuun deebii kenneera.

---

[444] Sajiin Olanaa Geetuu Girmaa I/G/D/Q/ Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisisaa, Waajjira Poolisii Aanaa Alaaltuu

[445] Afgaaffii Adde Baqqalach Nagaasoo, D/G/B/S/Dubartootaa fi Adde Gannat Bazzuu / I/G/W/D/Daa'immanii, Waajjira Dh/D/Daa'immanii Aanaa Alaltuu waliin gaafa 25/2/2013 taasifame.

[446] Afgaaffii Beeteliheem Nugusee, Pirezidaantii Mana Murtii Aanaa Alaltuu waliin gaafa 25/2/2013 gaggeeffame

[447] Marii garee Ogeessotaa fi Hoggantootaa Waajjira Dhimma Dubartootaa fi Daa'immanii Aanaa Ciroo waliin taasisnee gaafa 1/3/2013.

[448] Afgaaffii Obbo Shawaaragaa Isheetuu, Pirezidaantii MMA Giraar Jaarsoo waliin gaafa 17/2/2013

[449] Adde Asnaaquu Isheetuu fi obbo Kallilee Isheetee, Mana Murtii Aanaa Alaltuu , Lak. Gal.13590, Guyyaa Murtii -21/02/2012.

*Manni murtiis, ragaa bitaafi mirgaa erga dhagayee booda, qabeenyi himattuun tarreessitee qabeenyaa gaa'ila keessatti horatamedha waan ta'eef, qabeenya Abbaa warraa fi haadha warraa akka jedhamuu Seeraa Maatii Oromiyaa lakk.69/95 fi 83/96,79 (1),113(1) tilmaamni seeraa ni fudhata, himaataman immoo tilmaama kana kan diiguu ragaa hin dhiyeeffanne.Lafa ilaalchisee himatamaan haadha isaa irraa kan argateef himattuu waliinis waggaa 10 waliin itti fayyadamaa turanii jiru, bu'uuraa heera mootummaa federaalaa kew 40/3 tti fi kan naannoo Oromiyaa 41/3 lafti kan mootummaa fi sabaaf sablamootaati malee kan nama dhuunfaa miti. kanaaf lafa irraa mirga itti fayyadamaa qofa qabiyyee lafa irraa akka qabu, mirga kanas dubartoonni dhiira faana walqixa qabu; bu'uura heeraa mootummaa Fed. kew 35/7 fi kan MNO kew.36/7tiin qabiyyee kana waggaa 10 ol itti fayyadamanii ijoollee kan itti horatan waan ta'eef, mirga walqixxee qabu. Meeshaa mana keessaa himattuun fudhatte deemu ragaan hin mirkaneessine waan ta'eef, kufaa ta'e, midhaan jiraachuu himattuun ragaan hin mirkaneessine waan ta'ef kufaa ta'e, harroota lamaan jiran qixxeetti haa qooddatan. Kanaaf, manni murtii qabeenyaa horii, harrootaa fi qabiyyee lafaa himattuun dhiyeessitee kan gaa'ilaa keessatti horatame waan ta'eef, himatamaan mirga walqixaa irra qaba; qixa haa qooddatan jechuun murteesseera.*

Dhimma biraa Dhaddacha Ijibbaataa, MMWO'tiin murtaa'e tokkos[450] akka itti aanutti haa ilaallu

*Lafti falmiif sababa ta'e kan iyyataan bara 2006 keessa abbaa koo irraa dhaalaan argadhe jedhu qabiyyee lafa baadiyyaa akka ta'e ifa. Qabiyyee lafa baadiyyaa ilaalchisee immoo seerri abbummaan raawwii qabu sadarkaa Naannoo Oromiyaatti labsii lakk. 130/1999dha. Dabalataan, dhimma kana keessatti Seerri Maatii Oromiyaa kwt.78/3/ fi 73 dhimma waa'ee qabeenya kan tumu yoo ta'u, qabeenya jechuun immoo dhimma gareewwan mirga abbaa qabeenyummaa irratti horatanii qaban yoo ta'u; dhimmi kun garuu waa'ee qabiyyee waan ta'eef, tumaan Seera Maatii Oromiyaa waa'ee qabeenya malee waa'ee qabiyyee lafa baadiyyaa dhaalaan maatii irraa argamuu ifatti wanni tumu hin jiru. Kanaafuu, tumaan raawwii qabu labsii lakk. 130/99 dha jechuun murtiin mana murtii jalaatiin kenname hin komachiisu jechuun murteessee jira. Akka jalatti mirkanaayeetti abbaan iyyataa bara 1984 keessa du'uun; lafa kana*

---

[450] Caalaa Ida'oo fi Buubee Harmii, Dhaddacha Ijibbaataa, MMWO, Lakk.G. 320416, gaafa 17/02/2013 kan murtaa'e

*wal falmitoonni waggaa dheeraaf itti fayyadamaa turuu fi baargamoo irra dhaabanii kan waliin qaban ta'uun; iyyataa bara 2006 keessa ragaa dhaaltummaa kan baafatee ta'uun murtii Mana Murtii Waliigala keessaa hubanneera. Kana yoo ta'e immoo, lafa yeroo dheeraaf bultii keessatti itti fayyadamaa turan kun kanuma waliinii ta'a; sababni isaas mirgi namni dhuunfaa lafa baadiyyaa qabu mirga itti fayyadamaa waan ta'eef walumaan bultii keessatti waliin fayyadamuun qabiyyee walinii taasisanii jiru. Kanaafuu, qabiyyeen kun kan waliniiti jedhamee murtaa'uun isaa hin komachiisu jechuun murteesseera.*

Dhimmoota armaan olii irraa kan hubatamu, qabiyyeen lafaa akka qabeenyaa waliiniitti ilaalamuun diiggaan booda abbaa warraafi haadha warraa jidduutti qooddiin gaggeeffamuu dha. Kun ammoo gaa'ila keessatti qabiyyeen (mirgi itti fayyadamaa) dhuunfaan jiraachuu hin danda'uu? Gaaffii jedhu kaasa.Qabatamattis, falmiin diiggaa gaa'ila haadha warraa tokko olqabaanii yeroo ka'u dhimmonni qabiyyee dhunfaa kootii fi kan walii keenyaati jedhan yoo ka'an ni mul'ata.

DhimmaMana Maree Fedeereeshinii Mootummaa RDFI Hiikoo Heeraaf dhiyaate tokko mee haa ilaallu.[451]*Ka'umsi dhimmaa hiikkoo heera mootuummaa ta'e kun falmii lafa baadiyyaa qabiyyee dhunfaa kiyyaa fi mirga dhaalaati jechuun M/M/A/ Cinaakiseen irraa kan ka'edha. Iyyattuun ammaa M/M/ jalaatti himata dhiyeessiteen lafti falmiif sababa ta'e qarxii 8 ta'u kan durumaa kaasee mirga abbaa qabiyyummaa du'aa (abbaa warraa koo) irraa qabuu fi waliin irraa fayyadamaa turree inni du'ee dha. Qabiyyee waliigalaa jiru keessaa gaheen koo qarxii 4 kan hafee immoo dhaaltota da'aa (daa'immaan sadiif) akka qoodamu; yaamamaan ammaa mirga abba qabiyyumma lafaa gaa'ila biraa osoo qabuu, kan keenya humnaan nu jalaa waan qabateef nuuf haa gadhisuu jechuun gaafatteetti. M/M/A fi M/M/O/G/H/Bahaa lafa falmiif sababa ta'ee irraa mirga kan qabu iyyattuuf dhaaltoota waan ta'aniif, yaamaaman lafa humnaan qabate jiru qarxii 8 akka gadii lakkisuu murtee kenne.*

*Yaamamaan ammaa komii M/M/W/O/DhI fi MMWFDHI dhiyeeffatee, M/M kunis laftii baadiyyaa akka qabeenya dhunfaatti ilaalamuu hin qabu, qabeenyaa ani gaa'ila dura horadhee*

451 Addee Halimaa Mahammad (Iyyattuu) fi Obbo Adam Abdii (Yaamamaa), Dhimma Mana Maree Fedeereeshinii Mootummaa Fedeeraalaa irratti Hiikoo seeraaf dhiyaate dha. Mana maree federeeshinitti Bara Hojii paarlamaa 4ffaa waggaa 5ffaa yaa'ii idilee 2ffaa Waxabajjii 18 bara 1997

*dha jedhamuu hin danda'u sababa jedhuun hiikkoo itti kenneera. Yaamamaan lafa bakka biraatii qabiyyee itti qabu akkumaa jirutti ta'e, gahee dhaaltotaa du'aa dabalatee lafti qarxii 8 ta'u keessaa walakkaan isaa/ qixeetti/ qoodamuufii qaba jechuun murtii M/M/A fi M/M/O/G/H/Bahaa diiguun murtee kenne.*

*Iyyataan murtii kana komachuun iyyannoo sababa gaa'ilaan lafa irraa buqqisuu fi mirga dhaaltummaa daa'immanii kan sarbe waan ta'eef, hiikkoon Heeraa itti haa kennamu jechuun iyyata isaanii Gumii Calallii Heera Mootummaa Fedeeraalattti dhiyeeffatanii jiru. Gumichiis dhimmicha akka qorateetti; laftii falmiif sababaa ta'e iyyaattuu ammafi abbaan warraa ishee du'an gaa'ilaa lammataa dura kan kennaan argame malee, erga yaamamaa waliin walfuudhanii as kan hin kennamneef ta'uun mirkanaa'ee waan jiruuf, Labsii Bul/Iti/Lafa Baadiyyaa Oromiyaa lakk. 130/1999 kwt.5(8fi9) fi Seerri maatii MNO; namoonni qabiyyee dhuunfaa fi waliinii qabaachuu akka danda'an kan agarsiisuu yoo ta'u; labsii Bul/Iti/Lafa Baadiyyaa Mootummaa Fedeeraalaa lakk.456/1997 kwt.6(4)fi Seerri maatii Mootummaa Fedeeraalaa fooyyaa'ee bahees kana kan cimsudha.*

*Kun ta'ee osoo jiruu MMWODhIj yaamamaan gaa'ila nama biraa waliin qabiyyee dhunfaa osoo qabuu, lafa qabiyyee iyyattuun qabduu akka qixxeetti murteessuun isaa dubartoota qabiyyee dhunfaa irra buqqisuu kan jajjabeessuu fi heera mootummaa kwt.35(2fi7) irratti dubartoonnii gaa'ila keessatti dhiira waliin mirga walqixa qabu kan jedhu keessatti Mirga ittifayadamaa, dabarsuu bulchuu fi to'achuu kan jedhu ilaalcha keessa kan hin galchine waan ta'eef dhimmichi hiikoo heeraa barbaada jechuun yaada murtii mana maree federeeshiniif dhiyeesse. Mannii Marichaas Heera Mootummaa Federaalaa kwt.35(2 fi 7) mirga dubartoonni qabeenya horachuu qaban, mirga ittifayadamuu, dabarsuu, bulchuu fi to'achuu; akkasumas, Heera Mootummaa RDFI Kwt 40(4) mirga lafa irraa akka hin buqqaane tumamee jiru kan hin kabajnee fi qajeeltoo heera mootummaa keessatti mirgaa daa'immaan qabeenyaa maatii isaani dhaaluu irraa kan mulqee fi mirga ittifayyadama lafa kan sarbee fi lafaa irraa akka hin buqifamnee tumaa jiru kan cabsee ta'uu Manni Maree amaanee waan jiruuf, Murtiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Ijjibaataa kennee fi MMFDHIJ ragga'ee Mirga Ittifayyadama qabiyyee dhunfaa iyyaattuu fi dhaalaa daa'immanii kan sarbee waan ta'eef bu'uuraa Heera Mootummaa Fedeeraalaa Kwt.9(1)tiin raawwatinsa hin qabu jechun manni maree fedeereeshinii sagalee guutuun mureessee jira.*

Dhimma armaan olii yeroo ilaallu mirga ittifayyadama lafa baadiyyaa ilaalchisee qabiyyeen dhunfaan jirachuu fi gaa'ila keessattis kan ilaalamuu qabu akkaata argannaa lafaa fi ittifayyadama lafaa isaa irratti hunda'uu akka ta'e dha. Yaaduma kana kan cimsu murtii MMWFDHI Lak. Gal. 11373 jiildii 19ffaa irratti kennes haa ilaallu.

*Dhimmichi kan ka'e mana murtii aanaa Meetta Roobii yoo ta'u iyyaataan Abbaa Warraa isaanii Obbo Asaffaa Gammadaa faana lafa qonnaa olchaa sangaa lama ta'u lafa mana jireenyaa Olchaa walakkaa sangaa ta'u lafa waliinii keenya waan ta'eef qixxettii akka nuuf qoodamu jechuun gaafatan, himaatamanis deebii laataniin laftii iyyattuun jettu lafa waliinii keenya miti, hiramuu hin qabu jechuun falmanii jiru, Jidduu lixaan (abbaan himatamaa) himata keessa akka galu kan ta'e laftii amma falmiin irratti ka'ee kan kiyya, maqaa kiyyaan galma'ee jira himataa fi himataaman mirga irra hin qaban jechuun komii dhiyeessu isaatiini. Laftii falmiif sababa ta'e kana Himataan ( oliyyaataan) amma bara 1994 himatamaa waliin yeroo walfuunuu abbaan himatamaa ( jidduu lixaan) nuuf kennee jira, waliigaltee gaa'ilaa keenyaa keessattis caqafamee kan jiruufi bara 1994 kaasee qabiyyee keenyaa jala kan jiru fi kan itti fayyadamaa turre waan ta'eef lafa naannoo addaa samooninyaa jedhamuu irraa mana kan qabnuu fi isaa keessa taa'ee daa'imman akkan guddisuu M/M lakk galmee 15710 fi 14792 irratti naaf murteessee waan jiruuf falmiin jiddu lixummaa kufaa akka naaf ta'u jechuun falmanii jiru.*

*Manni murtii Aanaa falmii bitaaf mirgaa erga dhagayee booda, ragaa dhiyaatee qorachuun lafa falmiif sababa ta'e maqaa jidduu lixaan galma'ee kan argamuu fi gibirriis maqaadhuma isaaniin kan kaffalamuu ta'uus, himataa fi himatamaan yeroo walfuudhan waligaltee gaa'ila isaanii keessatti qabiyyee barreffamee fi erga walfudhaniis mirga ittifayyadamaa kan irraa qabu isaan lamaan waan ta'eef lafti falmiif sababa ta'e kun lafa waliinii himataa fi himatamaa waan ta'eef qixxeetti qoodamuu qaba jedhe murtee kenne.*

*Jidduu lixaan( yaamaaman ammaa ) murtii mana murtii aana irratti komii waan qabaniif iyyannoo isanii MMOG/Sh/Lixaatti komii dhiyeessanii, manni, laftii kan kennamuu ragaa afaanitiin osoo hin tanee ragaa barreffamaan ta'ee qaama aangoo qabu biratti galma'uu akka qabu labsii bulchiinsaa fi ittifayyadama lafa baadiyyaa fi SHH kwt 1723 irraa hubachuun ni danda'ama. Kanaaf kennaan ulaagaa kanaa kan hin gunnee waan ta'eef laftii qabiiyyee jidduu lixaa ta'uun mirkana'ee jira, jidduu lixaa jalaatiif haa deebi'u jechuun murtii mana murtii aanaa diiguudhaan murteessee jira.*

*Iyyattuun amma murtii mana murtii ol'anaa irratti komii isaanii MMWOtti dhiyeessaniin, Bitaaf mirgii lafichii waliigaltee gaa'ila keessatti barreeffamuu isaa wal-hin hallee, isaa asittis walfuutonni waliin ittifayyadamaa jirachuun isaanii ragadhaan mirkana'ee jira. Laftii maqaa kiyyaan safaramee jira jechuun lafa itti hin fayyadamne irratti falmiin ka'uu fudhatama hin qabu. laftii mana jireenyaa kanaan dura iyyattun ammaa himattuun jala/ akka keessa jirattu manni murtii naaf murteesse jira kan jettefis jiddu lixaan hin mormine waan ta'eef, laftii lafaa waliin walfuutotaa waan ta'eef qixxeetti haa qooddatan jechuun murtii mana murtii ol'aanaa diigee jira.*

*D/Kennaan ammaa murtii mana Olaanaa irratii komii qaban sirresifachuuf MMWODhIJtti dhiyeessanii M/Mtiis, lafa falmiif sababa ta'e kan amaachii ishee irraa kennaa argatanii fi waggaa 9 irraa fayyadaman ta'uu isaa ragaan mirkana'ee jira, haa ta'uu malee dambiin bulchiinsaa fi ittifayyadama lafa fi SHH kwt 1723 kennaan lafa baadiyyaa qaama aangoo qabu biratti galma'uu qaba jedha. kanaaf lafti kan jidduu lixaati jechuun murtii mana murtii waligalaa fi M/M aanaa diigee.*

*Iyyataan murtii kana komachuun MMWFDHIJ dhiyeeffatanii M/Mtis, laftii falmiif sababa ta'ee maqaa yaamaaman galma'ee kan jiruu fi gibirri maqaa isaatiin haa jiratu malee iyyattuun abbaa warraa isaanii waliin yeroo walfuudhan bara 1994 keessa abbaa abbaa warraa isaanii irraa kennnaan kan argatanii fi kunumti waliigaltee gaa'ila isaanii keessatti kan caqafamee yoo ta'u, erga gaa'ila umaanii kaasaanii hanga bara 2003 wal-hiikanitti walfuutonnii waliin ittifayyadamaa turuun isaanii murtii mana murtii jalaa keessaa mirkana'ee jira. Abbaa warraa fi haati warraan ofii isaanitii bara 1994 hanga 2003tti irraa fayyadamuu malee akka miseensa maatitti ofii ittifayyadama, isaan gargaraa jiraachuu falmii M/M jalaa keessaatti ragaan isaaniif mirkaneesse hin jiru.*

*Namni mirga lafa baadiyyaa irraa qabu mirga ittifayyadamaa lafaa yoo ta'u, yaamamaan mirgaa isaa abbaa warraa iyyattuuf dabarsee kan kenne yoo ta'u, yeroo dheeraaf lafa kana irraa mirgi ittifayyadama isaanii adda citee jira. MMOGsh/Lixaa fi MMWODHIJ kennaan lafaa barreffamaan raawwatame hin jiru yaada jedhu qofan murtiin isaan dabarsan dogoggora bu'uura seeraa waan qabuuf, bu'uura SDFHH kwt 348(1)tiin murtiin dabarsan diigameera. Murtiin MMA fi MMWO bu'uura SDFHH kw 348(1)tin cimeera jechuun murtoo itti kennuun hiikoo laatee jira.*

Galmeewwan armaan olii kana irraa hubachuun kan danda’amu, diiggaa gaa’ilaan booda abbaa warraafi haadha warraa jidduutti qoodinsi qabiyyee taasifamu falmii kan qabu ta’uu dha. Kanaaf dhimmonni akkasii yeroo uumaman Mannii murtii falmisisee murtii haqa qabeessa ta’e kennuuf waan isa rakkisuuf akkaata seeraatiin qabeenyaa maatii isaanii irraa argatan ykn waliin horataan qaama aangoo qabu biratti galmeessifachuu/mirkaneessifachuu, akka qaban hubannoon gahaa ta’e laachuufiin barbaachisaa akka ta’e ni hubatama.

Falmii qoodinsa qabiyyee keessatti dhimmi ijoo furmaata seeraa barbaadu tokko namni tokkoo (abbaa warraas ta’e, haadha warraa) gaa’ila ijaaree yeroo hangam yoo waliin jiraate qabiyyee lafa baadiyyaa qoodachuu danda’a kan jedhu dha. Qabatamattis, dubartoonni abbaa warraa adda addaatti heerumuun lafa qooddachuun yoo adda ba’an ni mul’ata.[452] Gaa’ilaa uumaanii diiggaa raawwachuu duraa haati warraa abbaa warraa wajjin yoo hammam jiraatte lafa qooddachuu dandeessi? Dhamaatii hangam taasifte? kan jedhu ifa ta’uu dhabuun rakkoo ta’aa jira.[453]

Kana malees, abbaan warraa tokko haadhaa warraa lama (bigamous marriage) fi isaa ol yoo qabaate (polygamous marriage) eenyuuf qabiyyee hangam qoodna kan jedhu seeraan ifatti waan hin tumamneef murtiin walfakkaataa ta’e kennamaa hin jiru.[454]

Yeroo hangamiif yoo waliin turan qabiyyeen lafaa qoodama kan jedhu ilaalchisee akka abbaa warraafi haadha warraatti waliin jiraachuu keessatti tilmaamni qabeenya waliinii eegaluuf yeroo isa xiqqaa kaa’ame ka’umsa godhachuun gaarii dha jennee ilaalla. Qabeenya waliinii namoota fuudhaa fi heeruma osoo hin raawwatiin akka abbaa warraa fi haadha warraatti waliin jirataan (irregular union) ilaachisee, Seerri Maatii Mootummaa Fedeeraalaa, kwt. 102 (1) fi kan Naannoo Oromiyaa, kwt.132 (1) “*Bulchiinsa qabeenya isaanii ilaalchisee waliigalteen godhan akkuma eegametti ta'ee fuudhaa-heeruma osoo hin raawwatiin akka abbaa warraa fi haadha warraatti namoonni wajjiin jiraatan yeroo waggaa sadii hin hanqanneef yoo wajjin jiraatan, yeroo waliin jireenya isaanii keessatti qabeenyi horatan qabeenya walii isaanii ta'a”*[455] jechuun tumaniiru. Akka tumaa kanaatti, gaa’ila osoo hin raawwatiin akka abbaa warraafi haadha warraatti yoo xiqqaate waggoota sadiif waliin yoo jiraatan qabeenyi isaan waliin jireenya isaanii keessatti horatan akka kan waliiniitti tilmaamama jechuu dha. Hariiroo qaban yoo dhaabanis walqixa

[452] Afgaaffii Adde Beeteliheem Nugusee, Olitti yaadannoo lak 446
[453] Obbo Fayyisaa, Olitti yaadannoo lak. 341
[454] Afgaaffii Obbo Shamaamee Taaddasaa, Olitti yaadanno lak.321
[455] Seera Maatii Mootummaa Oromiyaa, Kwt 132 (1)

qooddatu jechuu dha.Yaadni seera kana duuba jiru, turtii waggoota sadiifi isaa olii hariiroo uumameen waliin dhamahuun jiruufi jireenya gaggeeffataa; qabeenyaas horataa turani. Kana keessatti, qabeenyaa jiru akka kan waliiniitti tilmaamuun mirga walqixxummaa dhiiraafi dubartiif iddoo kennuu ta'a. Bifuma kanaan walfakkaatuun (by analogy), qooddii qabiyyee lafa baadiyyaa ilaalchisees abbaa warraa fi haati warraa gaa'ilaa raawwatanii turtii waggaa sadii gadii hin taaneef yoo waliin jiraatan qoodinsa qabiyyee argachuu akkaa dandaa'an seeraan yoo tumame, rakkoo qabatamatti mul'achaa jiru, jechuunis gaa'ila raawwaatanii osoo hin turiin hiikkaa raawwachuun qabiyyee wal irraa qooddatan furuu/ xiqqeessu bira darbee murtiiwwan manneen murtii hiikkoon adda adda itti kennamaa jiru walfakkeessuun tilmaamamummaan akka jiraatu taasisuu danda'a amantaa jedhu qabna.

Qaphxiin biraa kanuma waliin ilaalamuu qabu yommuu abbaan warraa haadholee warraa lamaafi isaa ol qabu qabiyyeen lafaa qoodamu hangam ta'uu qaba? kan jedhu dha. Kana ilaalchisees manneen murtii, murtii walfakkaatoo kennaa akka hin jirre olitti agarsiisuuf yaalleerra. Fakkeenyaaf, abbaan warraa haadholii warraa lama qabu-isheen tokko waggoota 20'f gaa'ilaan erga waliin jiraattee booda qabiyyeen kanaan dura ture osoo hin qoodamiin isheen biraa itti heerumuun waggoota 5'f gaa'ilaan waliin erga jiraattee booda sababa diiggaa gaa'ilaatiin gaaffiin qooddii qabiyyee yoo ka'e, haala kamiin qooddaatu?  Hunduu waluma qixa argatuu? Yoo akkas ta'e turtiin waggoota 20 fi waggoota 5 walmadaalaa? Bulchiinsa lafichaa keessatti hunduu walqixa dhamahaniiru jechuu dandeenyaa? Ijoon biraa kana wajjiin ilaalamuu qabu haati warraa waggoota 5'f gaa'ilaan abbicha warraa waliin turte ishee waggoota 20'f waliin turte caalaa qabiyyee lafaa gaa'ilaan dura qabattee yoo dhufteefi walumaan yoo itti fayyadamanihoo qooddiin qabiyyee lafaa attami ta'a? kan jedhu dha.

Qaphxiiwwan olitti ibsaman kanniin qajeeltoowwan walqixxummaa (principle of equality) dhiiraafi dubartii irra dhaabbachuun xiinxaluun ni danda'ama. Akka qajeeltoo kanaatti, haati warraafi abbaan warraa walqixa waan ta'aniif turtii yeroof iddoo osoo hin kenniin qabiyyee jiru bakka sadiitti qooduun akka itti fayyadaman gochuun ni danda'ama. Haa ta'u malee, walqixxummaan kun walqixxummaa bifaa (formal equality) malee walqixxummaa qabiyyee (substantive equality) agarsiisuu hin danda'u. Namni waggaa 20'f qabiyyichatti fayyadamaa ture nama waggaa 5'f qabiyyeetti fayyadamaa ture waliin tokko ta'uu hin danda'u. Walqixxummaan qabiyyee (substantive equality) akka jiraatuuf yoo barbaadame qajeeltoo marartoos (principle of

equity) tilmaama keessa galchuun barbaachisaa dha. Akkasitti kan yaadamu yoo ta'e haati warraa waggoota 5'f gaa'ilaan turte kan addaan baatu yoo ta'e, haadha warraa waggoota 20'f turte ka'umsa godhachuun haala turtii yeroo isheen walmadaaluun (in proportion to duration of her stay) qabiyyicha qooddachuun kan hafe abbaan warraafi haati warraa waggoota 20'f waliin jiraatte akka itti fayyadaman gochuun walqixxummaa sirrii ta'e caalaatti mirkaneessuu danda'a.

Akkuma kana, qabiiyyeen qoodamu caalaan isaa karaa haadha warraa ishee waggoota 5'f gaa'ilaan turte irraa kan dhufe yoo ta'e, hanguma gahee bal'ina lafa gumaachitee tilmaama keessa galchuun (in proportion to her contribution to the land) laficha akka argattu taasisuun barbaachisaa dha. Murtiin Mana Maree Federeeshinii olitti ibsames qajeeltoo walqixxummaa bifaa (formal) equality qofa jiddu galeessa kan godhate osoo hin taane walqixxummaan qabiyyee ykn walqixxummaan sirrii (substantive equality) akka jiraatuuf xiyyeeffannoo akka kenne agarsiisa. Kanaafuu, hanga qooddii qabiyyee ilaalchisee qajeeltoon walqixxummaa (principle of equality) qajeeltoo marartummaan (principle of equity) yoo deeggarame rakkoo hawaasa keessatti qabatamatti mul'atuuf fala ta'uu danda'a. Kanaaf, ammoo seera ifa ta'e tumuun barbaachisaa dha.

Dhimmi biroo asitti ka'uu qabu, qoodinsa qabiyyee abbaa warraa fi haadha warraa hawaasa naannoo horsiisee bulaa jiruuti. Sababa aadaan hawaasa horsiisee bulaa keessa jiru dubartiin lafa akka qooddattuuf hin hayyamneef, hiikkaa gaa'ilaan booda dubartoonni lafa maleeyyii yeroo ta'an heddumminaan mul'ata. Kana malees, lafa qaban irrattis waraqaa ragaa qabiyyee lafa baadiyyaa waan hin qabneef, mirga isaanii kabachiifaachuuf dhamaatii guddaa keessa seenu. Sababni isaa, lafti horsiisee bulaa heddumminaan lafa waliinii waan ta'eef, abbaama warraati itti fayyadama. Dubartoonni heddumminaan qoodinsa qabeenyaa waliin horatan kan akka loon/horii fi qabeenyaa biroo waliin qaban qofa qooddatu. Kanaaf, dubartoonni mirgi itti fayyadama isaanii akka dhugoomuuf lafti hawaasa horsiisee bulaa akkatan inni ittin safaramee adda bahuu, kana keessatti mirgi dubartootaa akkaataa eegamuu qabu irratti hubannoo kennuun barbaachisaa ta'a.

Qooddii qabiyyeen walqabatee rakkoon biroo yeroo ammaa mul'achaa jiru murtii manni murtii kenne raawwachiisuu dha.[456] Yeroo tokko tokkoo dubartiin hiikkaa gaa'elaa booda qabiyyee lafaa qooddatte deebitee lafa sanatti fayyadamuuf baay'ee rakkatti; bakka tokko tokkotti immoo

[456] Afgaaffiiwwan Ob. Abdella Elemoo, Ogeessa Ijaarsa Dandeettii Hirmaannaa Dubartootaa fi Addee Gishuun Dinquu, Ogeessa Hubannaa Babal'ina Sochii Dubartootaa, Waajjira Dhimmi Dubartootaafi Daa'imman Aanaa Adaamaa waliin gaafa 12/02/2013 taasifame.

itti fayyadamuunuu hin danda'amu.[457]Gahee qabiyyee ishee irraa akka hin fayyadamne sababoota adda addaa uumuun dhorkuu, reebuu, qabeenya irra jiru dhoksaan jalaa mancaasuu, bu'aa oomishaa isaa erga gahee jalaa halkan haammaachuun akka mul'atu afgaaffiiwwan gaggeessine irraa hubachuu dandeenyeerra.[458] Kun ammoo deebi'ee mirga dubartii waan daangessuuf murtiin kenname raawwachiisuuf hordoffii fi deeggarsi qooda fudhattootaa barbaachisaa ta'uu namatti agarsiisa.

### 3.2.2.Argannaafi Dabarsa Seera-qabeessa Hin taane (Unlawful Rural Land Transaction)

Heera mootummaa dabalatee seerotni dhimma qabiyyee lafaa irratti bahan akkaataa argannaanis ta'e dabarsi lafaa ittiin raawwatu ni tumu. Heera Mootummaa RDFI irratti namni qonnaanis ta'e, horsiisee buluu barbaadu lafa hojii sanaaf barbaachisu bilisa argachuuf mirga akka qabu tumameera.[459] Heerichu irratti namni takkaa lafa argate achirraa buqqahuu akka hin qabne ni tuma. Qabeenya achirratti horates akka fedhetti itti fayyadamuu fi dabarsuu akka danda'u ni tuma.[460] Akka Heera mootummaa kanaatti namni lafa argate tokko mirga itti fayyadamaa malee qabeenymmaan lafaa kan mootummaa fi ummataati. Mirga itti fayyadamaa kanas karaa seera qabeessa ta'een namni mirga itti fayyadamaa argate dabarsuus ta'e namni lafa hin argatiin akkaataa itti argachuu danda'u irratti seerota biroon akka murtaa'u Heerichumti ni tuma. Bu'uuruma kanaan, akka federaalaatti seerri bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa bahee jira.[461]Naannoleen adda addaas, naannoo Oromiyaa dabalatee seera bulchiinsaa fi itti fayyadama lafaa baafa baafatanii jiru.

Argannaawwan qabiyyee lafaa isaan seera qabeessa ta'an labsii lafa baadiyyaa kan mootummaa federaalaa keessattis ta'e, kan mootummaa naannoo Oromiyaa keessatti tumamaniiru.[462] Mirga itti fayyadama lafa baadiyyaa karaa kennaa, dhaalaanii fi nama jireenyaa isaa qonnaan yookiin horsiisee bultummaan gaggeeffachuu barbaaduu fi umuriin 18 ol ta'eef karaa qaama

[457] Afgaaffii Ob. Barcuu Birree, Itti Gaafatamaa MHAA Godina Gujii Lixaa waliin gaafa 02/02/2013 taasifame.
[458] Amuu Nuuree, Itti Gaafatamtuu W/Dh/D/Daa'immanii Aanaa Gimbii Bordoddee 30/2/2013
[459] Heera Mootummaa RDFI, Kwt 40 (4,5).
[460] Heera Mootummaa RDFI Kwt 40(7): '*Every Ethiopian shall have the full right to the immovable property he builds and to the permanent improvements he brings about on the land by his labour or capital. This right shall include the right to alienate, to bequeath, and, where the right of use expires, to remove his property, transfer his title, or claim compensation for it. Particulars shall be determined by law.'*
[461] Labsii BIFLB Federaalaa Lak. 456/2005.
[462] Labsii BIFLB Federaalaa Lak. 456/2005, Kwt 5 (2) fi Labsii BIFLBO Lak.130/1999, Kwt 5(5) ilaalaa.

mootummaan hirmaatan ykn mirriitidhaan argachuun ni danda'ama. Kutaa kana keessatti akkaataan argannaa lafa baadiyyaa qabatamaan maal akka fakkaatuu fi karaaleen seeraan alaa lafti baadiyyaa itti argatamaa jiranii fi rakkoowwan kanaan walqabatanii jiran xiinxalamaniiru. Asitti rakkoon seera keessattis mul'atu kan gara argannaa lafa baadiyyaa bu'uuraan heera, seerota lafa baadiyyaa fi dambii lafa baadiyyaa mootummaa naannoo Oromiyaa keessatti tumame xiinxalamaneera. Keessattuu, dhimmi darbiinsa yeroo lafa seeraan ala qabatamee waggaa 12 (kudha lamaan) booda akka seera-qabeessatti akka ilaalamu taasisuu ilaalchisees seera-qabeessummaan isaa xiinxalameera.

#### 3.2.2.1. Bittaafi Gurgurtaa

Heerri Mootummaa RDFI lafa bituu fi gurguruun dhorkaa akka ta'e tumeera.[463] Kana jechuun argannawwan qabiyyee lafaa karaa bittaa fi gurgurtaan ta'u bu'uurarraa seera qabeessa miti jechuu dha. Hima biraatiin, mirga itti fayyadama lafa baadiyyaa gurgurtaan dabarsuun dhorkaa ta'uu isaati. Kana jechuun, abbaan qabiyyee tokko lafa baadiyyaa gurguruu hin danda'u; namni lafa baadiyyaa hin qabnes bittaadhaan argachuu hin danda'u jechuu dha. Qabatamaan garuu lafti baadiyyaa bitamaa fi gurguramaa akka jiru daataan af-gaaffiirraa argame fi dhimmotni maneen murtii tokko tokko ni mirkaneessu.[464] Gariin isaanii ifumatti lafa baadiyyaa bitteen kan argatan ta'uu yeroon itti falman kan jiru yoo ta'u; gariin isaanii ammo tooftaa adda addaatti fayyadamuu lafti baadiyyaa akka gurgurmuu fi bitamu taasisu.

Tooftawwan ittiin gurguranis kiraa waggaa dheeraa fakkeessuuni dha. Dhimmi akkasii lafa baadiyyaa naannoo magaalatti dhiyaatutti ni heddummata. Gama kanaan warrumti bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa waan keessaa qabaniif to'achuun isaallee rakkisaa akka ta'e ka'eera.

Liqii qarshii fakkeessuun lafa baadiyyaa bitanii gurguruunis bal'inaan mul'ata.[465] Gama biraan, qabiyyee lafaa kennaa fakkeessuun haalli itti gurguramus ni jira.[466] Yeroo qulqulleessan namni

[463] Heera Mootummaa RDFI, Kwt. 40 (3): *'The right to ownership of rural and urban land, as well as of all natural resources, is exclusively vested in the State and in the peoples of Ethiopia. Land is a common property of the Nations, Nationalities and Peoples of Ethiopia and shall not be subject to sale or to other means of exchange.'*

[464] Af-gaaffii Wasan Indiriyaas, Dursaa Garee Karoora Itti Fayyadama Lafaa, Aanaa Adaamaa; Yoosuuf Amaan, Ogeesssa Kaadistera Lafaa Aanaa Adaamaa waliin gaafa 13/2/2013 gaggeeffame.

[465] Af-gaaffii Dammallaash Dhugaasaa, Pirezidantii MMA Bulee Horaa waliin gaafa 02/02/2013; Siisay Astaatiqee, Daarikteera KTAS MMO Godina Harargee Lixaa waliin gaafa 2/3/2013 gaggeeffame. Wantootni akka kennaa hin

lafa isaa gurgure sun namicha itti gurgure na biratti guddate, natu kiristinnaa kaase jechuun maaliif akka kenneef sababeessa.[467] Tooftaan ittiin lafa gurguran kan biraan ammo maqaa lafa waljijjiiruuni dha.[468] Ragaan lafaa qulqullina waan hin qabneef osooma lafa hin qabaatiin lafa walitti gurguranii lafa waljijjiirre jechun warra bulchiinsa lafaa mirkaneessifachuunis ni jira. Rakkoon al-naamusummaa kunis waan jiruuf waajjirri lafaas qaamaan dhaqee osooma hin qulqulleeffatiin waan bulchaan gandaa ergu amanee waraqaa abbaa qabiyyummaa kennuutu jira.[469] Rakkoo kennaa fakkeessuun lafa gurguruu kana hambisuuf bulchiinsi lafa baadiyaa formii kennaan ittiin kennamuu fi haala itti mirkanaa'u irratti ogeessa lafa baadiyyaa ganda jiruun akka ta'uu fi mirkanaa'u gochuun seera dhabeessummaa ittisuuf yaalamaa jira.[470] Kunis kennaa bu'uura seerri lafaa jedhuun akka darbu taasisuun karaa seera qabeessa ta'een akka raawwatamuuf gahee guddaa qaba.

Gurgurtaa jedhamee sanadaan hin qophaa'u waan ta'eef akkaataan itti irra gahanii gurgurtaa ta'uu hubatan rakkiisaa ta'us, qabatamaan lafti gurguramaa jira.[471] Kanas agarsiiftuwwan tokko tokko irraa hubachuun ni danda'ama. Fakkeenyaaf, erga gurguree booda gaabbuun nan kireessee gadi naaf dhiisi jechuun wal himachuun bal'inaan mul'ata.[472] Tilmaamni jiru osoo dhuguma kiraa lafaa ta'ee waliigalteen kiraa hanga itti fayyadamaa ni teechisa waan ta'eef falmiin hagas mara ni ka'a jedhamee hin yaadamu. MMWO dhaddachi ijibbaataa dhamma falmii lafaa tokko irratti xiinxala gaggeesseen rakkoon gurgurtaa lafaa jiraachuu kallattii agarsiisera.[473] Dhimmicha irratti iyyattuun lafa abbaa kootii seeraan ala qabate jechuun mana murtii aanaatti kan himata dhiyeessite yoo ta'u; waamamaan laficha waliigaltee gaafa 13/11/1998 barreeffameen abbaan ishee akka kenneef falmee dhimmichi darbiinsa yeroo dambii lafa baadiyyaa oromiyaa irratti

---

deebineen kenneef jedhu kun tooftaa gurgurtaa lafaati. Rakkoon akkasii godina Harargee Lixaatti hedduu dha. Yeroo qubannaa gara godinoota Oromiyaa adda addaatti deemamaa turan gurguranii deemanii kennaa hin deebinen kenneef jechuun ture. Deebi'anii garuu lafa kiyya naaf gadhiisi jechuun falmiin lafaa hedduminaan jira.

[466] Af-gaaffii Alamaayyoo Asaffaa, Dursaa Garee Walitti Bu'insa Daangaa fi Waldiddaa,GANFO waliin gaafa 25/2/ 2013 gaggeeffame.

[467] Af-gaaffii Ob. Qajeelaa Tasfaayee, D/Garee Qabannaafi Qubannaa Seeraan Alaa Waajjira Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Aanaa Alaltuu waliin gaafa 26/2/2013 taasifame.

[468] Af-gaaffii Ob. Shamaamee, Olitti yaadannoo lak.321.

[469] Af-gaaffii Ob. Shamaamee, Akkuma 468[ffaa].

[470] Af-gaaffii Ad. Furnoo Geetuu, Dursituu Garee Karoora Itti Fayyadama Lafaa Waajjira Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Aanaa Alaltuu waliin gaafa 26/2/2013 taasifame.

[471] Af-gaaffii Dassaaleny Magarsaa, B/Bu'aa Pirezidaantii MMA Adaamaa waliin gaafa 12/2/2013 gaggeeffame.

[472] Ob. Dassaaleny Magarsaa, Akkuma 171[ffaa].

[473] Burtukaan Tolaa fi Darajjee Girmaa, MMWO, Dhaddacha Ijibbaataa, Lak.G. 333084, gaafa 01/03/2013 kan murtaa'e.

taa'een kufaa akka ta'u gaafateera. Manni Murtii Aanaas darbiinsa yeroon kufaa godhee jira. Manni Murtii Ol'aanaa fi dhaddachi giddu galeessaa Mana Murtii Waliigala Oromiyaas murtii kana cimsanii jiru.

Manni Murtii Waliigala Oromiyaa dhaddachi ijibbaataa xiinxala gaggeesseen; kennaan jedhame miseensa maatiif waan hin taaneef seera qabeessa miti; qaama aangoo qabu birattis hin galmoofne jechuun, kun immoo tooftaa bittaa fi gurgurtaan lafaa ittiin raawwatamu kan heeraan dhorkame waan ta'eef sirrii miti jechuun, waliigalteen bu'uura seera hin qabne ammo darbiinsa yeroon hin daangeffamu jechuun murtii manneen murtii gadii diigeera. Bifuma walfakkaatuun,Manni Murtiii Waliigala Federaalaa Dhaddachi Ijibbaataa murtii dirqisiisaa lak. galmee 43226 ta'e irratti waliigalteen seeraan alaa (illegal contract) darbiinsa yeroon kan hin daangofne ta'uu fi yeroo kamittuu diigamuu akka danda'u xiinxaleera.[474]Xiinxala kana irraas tooftaa adda addaa fayyadamuun lafti baadiyyaa bittaafi gurgurtaan dabarfamaa akka jiru ni hubatama.

Qabatamaan lafa gurguruun rakkoo hamaa fi hawaasa qonnaan bulaa magaalaatti dhiyeenyaan jiran rakkoo hamaaf saaxilaa kan jiru ta'uunis ka'eera.[475] Rakkoon lafa baadiyyaa magaallatti dhiyoo jiru gurguruu kun bulchiinsa lafaan walqabatee hanqinoota jiraanii waliinis walqabata. Lafti gara magaalaatti akka galu yoo ta'u, beenyaan kaffalamee lafa baadiyyaa pilaanii magaalaa keessa ittiin galchaniifi kan namni dhuunfaa yoo bitatu jarri argatan waan wal caaluufi dha.[476]

Gama biraatiin, yeroo lafti gara magaalaatti fudhatamu hawaasa sanaaf beenyaa gahaa hin taane kaffaluun qabiyyee isaanii gadi lakkisiisuu malee akkaataa jarri sun itti jiruu fuulduraa gaggeeffatan itti yaaduun hin jiru waan ta'eef, qonnaan bulaan naannoo magaalaa jiraatu hanga ta'e qarshii gaariitti dafee gurgurachuu barbaada.. Kun immoo karaa biraan ijaarsi seeraan alaas, akka babal'atu taasiseera.[477]Rakkoo kaffaltii beenyaa qofas osoo hin taane qaamni laficha bulchu qindoominaan hojjechuu dhabuunis ni jira. Warri magaalaa kan baadiyyaatu bulcha; kan baadiyyaa immoo lafa magaalaati jechuun gidduutti dhiifamee ijaarsi seeraan alaa akki itti

---

[474] Geetaa Tireedingii (WDHIM) fi Baankii Daldala Itoophiyaa, Lak. Galmee 43226 murtii dhaddacha ijibbaataa jiildii 12 irratti maxxanfame.
[475] Af-gaaffii Ob. Shawaaragaa Isheetuu, Olitti yaadannoo lak. 448.
[476]Af-gaaffii Ob. Oliyaad Siyyum, Olitti yaadannoo lak. 321.
[477]Af-gaaffii Huseen Mohaammad, I/G Waajjira Bulchiinsaa Aanaa Leemmoo fi Bilbiloo waliin gaafa 11/2/2013 gaggeeffame.

babal'atu ni jira.[478] Gama biraan, sababa osoo hin teechisiin haalli itti gama waajjira lafaan lafti waraqaan qabiyyuumaa namaa callisee gara nama biraatti jijjiramu ni jira. Kunis kan agarsiisu, lafti gurguramee gara biraatti abbaan qabiyyummaa jijjirramee haala hin beekamneen lafa kiyya qabate jedhanii wal himachuun kan jiru ta'uu isaati.

Lafti baadiyya bittaa fi gurgurtaan darbaa kan jiru ta'uu dhimma mana murtii Ol'aanaa Godina Harargee Lixaa, Dhaddacha Dhaabbii Habroo[479] tokko irraa hubachuun ni danda'ama. Dhimma kana irratti himattuun lafa baadiyyaa abbaan abbaa warraa ishee himatamaan 1ffaa akka seera shari'aatti gaa'ila godhannaan lafa akaataa seera Shaariyaatiin maharii (kennaa) buna hundee 200 kan jimaan walkeessa jiru kennameefii waggaa 6 erga waliin jiraatanii booda abbaan warraa ishee adda waraanatti waan du'eef isheen gara biyya Sawudii deemte. Abbaan ishee himatamaan 1ffaa lafa kenneefii ture qabatee himatamoota 2ffaa fi 3ffaatti yoo gurguru; isaan immoo buna irra ture ciranii mana irratti ijaarani. Manni murtiis ragaa namaa fi kan bulchiinsa lafaa irraa qulqulleeffachuun, himatamootni 2ffaa fi 3ffaanhimatamaa 1ffaa irraa bituu waan mirkaneessaniif lafa bituun ammoo seeraan ala jechuun laficha irraa baasii isaaniitin ijaarsa jiru kaafatanii laficha himattuuf akka gad-dhiisan murteessee jira.

Asitti rakkoon guddaan erga walitti gurguranii yeroo dheeraan booda waan wal himataniif namni bite sun ammo laficha irratti qabeenya dhaabbataa adda addaa horachuunjiruu isaa gaggeeffataa kan jiru waan ta'eef, murtii kennuun illee rakkisaa ta'uu isaati. Manneen murtii bu'uura seeraa hin qabu jedhanii murteessuun laficha irraaa ka'i yoo jedhan rakkoon hawaasummaa guddaan kan mudatu ta'a. Darbees, waldhabbii fi lubbuu walii haga balleessutti illee haalli itti deeman ni jira.Akka godinaHarargeetti, ka'umsi lafa baadiyyaa gurguruu kun qubannaa dha.[480] Iddoo biraa yeroo deeman gurguranii deemu; garuu gurgrurtaa hin jedhani. Inni sirriin isaa laficha gurgurtaan dabrsee deema. Kuun ammoo bakka maallaqaa naaf kenne jedhee deebii kenna. Wanti ragaan qulqullaa'u garuu bittaafi gurgurtaa dha. Namni bitate kun ammo yeroo dheeraa booda gaafa inni deebiyee gaafatu misoomseera waaan ta'eef jara lammanuu akka hin miinetti

---

[478]Af-gaaffii Huseen Mohaammad, Akkuma 477ffaa.
[479] Halimaa Ahmad fi Ahmad Aliyyii fa'a N-3, MMO Godina Harargee Lixaa, Dhaddacha Dhaabbii Habroo Lak. Galmee 49650. Gaafa 2/11/2011 kan murtaa'e.
[480]Af-gaaffii Ob. Siisay Astaatiqee, Daarikteera KTAS MMO Godina Harargee Lixaa waliin gaafa 2/3/2013 gaggeeffame.

manni murtii qajeeltoo marartootiin yeroomurtii itti kennullee ni jira.[481] Gama biraan, gadhiisi jedhamee kan murtaa'us yoo ta'e maallaqa irraa fuuteefi tilmaama oomishaa kaffalii gadhiisi jechuun murtessuunis ni jira.[482]

Kan Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee ammo kan godina Harargee kanaan wal hin fakkaatu. Gatiin lafaa naannichatti ol ka'aa waan ta'eef abbotii qabeenyaatu qarshiin sossobee hawaasa keenya lafa dhabsiisaa jira.[483] Gareen wal falmanis wal hin gitan; abbaa qabeenyaa fi qotee bulaa dha. Kanaaf karaa seeraanalaa lafa baadiyyaa naannoo godina addaa Oromiyaa naannawaa Finfinnee qonnaan bulaa harkaa baasuus baay'ee hammaataa dha. Gama mana murtiinis hanga ta'e seeraa fi seera qofaratti hundaa'uun namni lafa baadiyyaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee karaa seeraan alaan (bittaan) argate seera qabeessa miti waan ta'eef akka gad-dhiisu murteessaa jiraachuu af-gaaffiin manneen murtii irraa argame ni agarsiisa.[484]

Bifuma walfakkaatuun, dhimma Komiishiniin Hiiktuu Heeraa Mootummaa Naannoo Oromiyaa murtii itti kenne tokko[485] irratti mana lafa baadiyyaan waliigalteen bite jechuun lafa baadiyaa qabachuun akka hin danda'amnee fi murtii manneen murtii qabata waliigaltee bittaa fi gurgurtaa mana lafa baadiyyaa jedhuun qabiyyee lafa baadiyyaa qabachuun akka hin danda'amne murteesseera. Dhimmichi mana murtii aanaa Ada'aatti kan jalqabe yoo ta'u, iyyataan Gammachuu Magansaa jedhamu lafa qabiyyee lafa baadiyyaa hektaara 0.29 ta'u mirga osoo irraa hin qabaatiin humnaan na jalaa qabate jechuun manni murtii akka gad-lakkisiisuuf gaafateera. Himatatamaan deebii kenneen waliigaltee bittaa fi gurgurtaa qarshii 60,000n akka mana lafa baadiyyaa irraa bite kaasee humnaan akka hin qabatiin mormeera. Himataan falmii kaaseen osoo ni bite kan jedhamu ta'ees waliigaltichi ulaagaa waliigaltee qabeenya dhaabbataa hin guutu qaama dhimmi ilaalu biratti hin galmoofne jechuun falmeera. Manni murtichaas bifuma himatamaan falmeen waliigalteen jedhame osoo jira jedhamees ulaagaa SHH kwt 1723

[481]Af-gaaffii Ob. Beekaa Dirribii, Pirezidaantii MMO Godina Harargee Lixaa waliin gaafa 2/3/2013 gaggeeffame.
[482]Af-gaaffii Ob. Siisay Astaatiqee, Olitti yaadannoo lak. 480.
[483]Af-gaafii Ob. Darajjee Daadhii, B/B Abbaa Adeemsa Garee Hariiroo Hawaasaa MMO Godina Addaa Naannawaa Finfinnee waliin gaafa 25/2/2013 gaggeeffame.
[484]Af-gaafiiwwan Ob. Darajjee Daadhii, Akkuma 483ffaa; Ob. Siisay Astaatiqee, Olitti yaadannoo lak. 480 fi Ob. Darajjee Fantaa, A/Seeraa MMO Godina Harargee Lixaa waliin gaafa 2/3/2013 gaggeeffame.
[485]Iyyataa Gammachuu Magansaa fi Dabbabaa Tonkoluu lakk galmee DHIMMA GCDHNMO LAK. 0019 gaafa 27/10/2011 murtaa'e.

kan hin guutnee fi qaama dhimmi ilaalu biratti hin galmoofne jechuun kufaa taasisee lafa baargamoon irraa jiruu fi manallee akka himatamaan gad-lakkisu murteeseera.

Dhimmichi ol'iyyannoo mana murtii Ol'aanaa godina Shawaa Bahaatti ilaalamee MMO's waliigalteen bittaafi gurgurtaa jira jechuun galmaa'uu fi dhiisuun isaan gidduutti jijjirama fidu hin qabu jedhee dhaddachi ijibbaataa federaalaa murteesserra jechuun murtii jalaa diigee akkataa waligalteen haa raawwatamu jedhee murteesseera. Manni Murtii Waliigala Oromiyaa fi dhaddachi ijibbaataa kan oromiyaas ta'e, kan federaalaa murtii mana murtii ol'aanaa waan cimsaniif dhimmichi gara Komishinii Hiiktuu Heeraa Oromiyaatti dhiyaateera. Komishinichis heera mootummaa naanoo Oromiyaa fi labsii lafa baadiyyaa naannoo oromiyaa waliin xiinxaluun maqaa bittaa fi gurgurtaa mana lafa baadiyaa irraa jiruun qabiyyee lafa baadiyyaa qabachuun qote bulaa lafa isaa irraa buqqisuun hin danda'amu jechuun murtii manneen murtii diigee waamamaan lafa qabiyyee iyyataa akka gad-lakkisu murteessera. Akkuma dhimma olii kanatti dhimma biraa tokko irrattis komishiniin hiiktuu heeraa mootummaa naannoo Oromiyaa[486] qabiyyee lafa baadiyaa qabata mana jireenyaan bitadhe jedhuun qonnaan bulaa buqqisuun hin danda'amu jechuun dhimma mana murtii waliigala federalaa dhaddachi ijibbaataa murtii akkataa waliigalteen akka raawwatamu murteesse irratti murtii hiikoo heeraatiin maqaa waliigaltee bittaa fi gurgurtaa mana baadiyyaatiin qote bulaan lafa isaa irraa buqqahuu hin qabu jechuun murticha kufaa godheera. Dhimmmoota olii kana irraas, kan hubannu bittaa fi gurgurtaan lafa baadiyyaa irratti maqaa mana lafa baadiyaa irra jirun bite jedhuun qonnaan bulaan lafa isaarraa haalli itti buqqa'u jiraachuu isaati.

Akka eegduu mirga namaa fi haqa kennuutti, hojiin bu'uura seeraa fi seeraatiin manneen murtii mirga lammiilee baadiyyaa naannoo godina addaa kana irratti haaluma af-gaaffii irratti ka'een warreen lafa baadiyaa kara seeraan alaatiin of harka galchan irratti kennuamu cimee itti fufuu kan qabu dha. Gama biraatiin rakkoo hawaasummaa namootni baadiyyaa lafa baadiyyaa walitti gurguranii erga qabeenyi irratti horatamee deebiyanii wal himatanii rakkoo hawaasummaaf wal saaxilaa jiran kun gama waajjira lafaatiin bulchiinsa isaa cimsuun irratti hojjetamuu qaba. Kunis, yoo abbaan qabiyyee lafaa tokko itti hin fayyadamiin waggaa lamaaf ture irraa fuudhuu kan

[486] Iyyattoota Tashoomaa Disaasaa fi Fiqiree Tafarraa fi Dirribaa Dhaabaa (D/Kennaa), lakk galmee DHIMMA GCDHNMO LAK. 0013 gaafa 27/10/2011 murtaa'e.

danda’u waan ta’eef osoo walitti gurguranii turtii hedduun booda gaabbiin wal himatanii wal rakkisuun hin dhufiin gama bulchiinsaan irratti hojjetamuu qaba.

Akka waliigalaatti, bifa ifaan mana jireenya lafa baadiyyaan bite bifa jedhuu fi tooftaa biraatti fayyadamuun bifa ragaan ifatti gurgurta lafaa agarsiisuu hin dandeenyeen sababoota adda addaatti qabachuun qabatamaan lafti baadiyyaa bitamaa fi gurguramaa kan jiru ta’uu xiinxala taasifame irraa ni hubatama. Kana hambisuuf sirna qabiinsa ragaa fi bulchiinsa lafaa hammayyeessuu; akkasumas rakkoowwan alnaamusummaa mana hojii bulchiinsa lafaan walqabatu bulchaa gandaa dabalatee irratti hojjechuun barbaachisaa dha.

#### 3.2.2.2. Qabannaafi Qubannaa Seeraan Alaa

Qaama lafa kennuuf aangoo qabu irraa osoo eeyyama ykn ragaa wayii hin qabaatiin lafa waliinii deemanii qabachuun ni jira.[487] Gochaan akkasii kun qabannaa fi qubannaa seeraan alaati. Qabannaafi qubannaan seeraan alaa, keessattuu lafa mootummaan qabamee jiruufi lafa bal’aa naannolee ollaan wal daangessan irratti ni bal’ata.[488]Fakkeenyaaf, lafa baadiyyaa daangaa naannoo Amaaraa jiru irratti gochaan akkasii bal’inaan mul’ata. Lafti baadiyyaa aanaa Alaltuu naannoo Amaaraan kan wal daangessu waan ta’eef; namootni naanicha keessaa qarshiin bitanii lafa naannoo Oromiyaa irraatti qabannaa seeraan alaa gaaggeessa jiru.[489]To’annoon gama waajjira lafaan taasifamuuf ni yaalama garuu guutummaatti ittisuun hin danda’amne.[490]

Lafa bosonaa keessa deemanii osoo qaamni mootummaa hin beekiin qubatanii bosona mancaasuun gara qabiyyee dhuunfaatti jijjiirrachuun ni mul’ata.[491] Dhaabbatni bosonaa fi bineensota bosonaa lafa bosonaa adda baasuun akka eegumsi taasifamuuf irratti hojjeta. Rakkoon guddaan hojii keessatti warra dhaabbata bosonaa mudatu lafti bosonaa gara qonnaatti jijiiramaa deemuu isaati. Gama kaaniin, lafti bosonaa akkuma lafa biroo kan qonnaan bulaatti waraqaan daangaa isaa adda baasu gama mootummaan keessattuu bulchiinsaa fi itti fayyadama lafaatiin

[487]Af-gaaffii Yohaannis Luulsaggad, Ogeessa Sarveyarii Waajjira Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafaa Aanaa Leemmoo fi Bilbiloo waliin gaafa 11/2/2013 gaggeeffame.
[488] Miseensota qorannoo kana gaggeessan keessaa ogeessonni Biiroo Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa irraa dhufan qabatamaan kan beekan.
[489]Af-gaaffii Gammadaa Tafarii, D/Garee Kadistiraalaa,Waajjira Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Aanaa Alaltuu waliin gaafa 26/2/2013 taasifame.
[490]Af-gaaffii Gammadaa Tafarii, Akkuma 489 ffaa.
[491]Taadhii Garbii, Dhaabbata Bosonaa fi Bineensota Bosonaa Godina Gujii Lixaa waliin gaafa 2/2/2013 gaggeeffame.

kennamuu dhabuun yeroo falmiin ka'ullee mana murtiitti waraqaa lafa bosonaa ta'uu mirkaneessu gaafatamuun osoo lafa bosonaa ta'ee jiruu mirkaneessuu haallii itti dadhaban jiraachuu isaati.[492]

Fakkeenyaaf, akka godina Arsiitti saamichi lafaa bosonaa bal'inaan jira.[493] Hojiin lafa bosonaa gara qonnaatti jijiirrachuuf taasifamu hammaataa dha. Gama bulchiinsa lafaatiinis lafti sirriitti hin safaramne waan ta'eef, warri gandaa callisanii lafa bosonaa nama dhuunfaaf safaranii haalli itti mirkaneeffataa jiran ni jira. Falmiin lafa bosonaa irratti yeroo ka'us, gama mana murtiin lafichi lafa bosonaa ta'uu wanta mirkaneessu akkuma qabiyyee dhuunfaa irratti waraqaan abbaa qabiyyummaa bahu kan bosonaa irrattis dhiyeessuu qabdu jechuun yeroon itti warri dhaabbata bosonaa falmiin mo'aman ni jira.[494] Lafa bosonaa keessa seenaani qubachuun yeroo achi keessatti isaaniif mirkanaa'us itti baballifataa deemuun lafa bosonaa irratti miidhaa geessisuun itti fufee jira. Keessattuu, gara bosona Cilaaloo kanatti rakkoo hamaatu jira.[495] Gama biraatiin, lafa waliinii kan bosonaas ta'ee, lafa margaa kunuunsuu irra seeraan ala warra gandaa waliin ta'uun gara nama dhuunfaatti akka jijiirramu gochuun bali'inaan jira.[496] Marii garee qonnaan bultoota Aanaa Guutoo Giddaa waliin gaggeeffame keessattis rakkoon bosona keessaa seenanii qubachuu fi qabannaan seeraan ala kun bal'inaan Aanicha keessa jiraachuun ka'eera.[497]

Godina Jimmaa Aanaalee akka Shabee Somboo, Oomoo Naaddaa, Cooraa Botor, Sokorruu, Geeraa fa'a keessattis, qubannaan seeraan alaa babal'aachaa akka jiru daataan af-gaaffii irraa argame ni agarsiisa.[498]Qubannaa fi qabannaan seeraan alaa kun godinaalee Oromiyaa daataan keessaa funaaname hunda keessatti kan mul'atu ta'us, godinoota naannolee biroon waldaangessan keessatti bal'inaan mul'ata. Kana to'achuufis, rakkoon lafti naannicha keessatti

---

[492] Af-gaaffii Shibbii Unkamee, Hogganaa Waajjira Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafaa Godina Gujii Lixaa waliin gaafa 2/2/2013 gaggeeffame.
[493] Af-gaaffii Shawaaraggaa Kabbadaa, I/G dhaabbata Bosonaa fi Bineensota Bosonaa Oromiyaa, Damee Arsii Distiriktii Cilaaloo waliin gaafa 11/2/2013 gaggeeffame.
[494] Af-gaaffii Shawaaraggaa Kabbadaa, Akkuma 493[ffaa].
[495] Af-gaaffii Shawaaraggaa Kabbadaa,Akkuma 494[ffaa].
[496] Af-gaaffii Shawaaraggaa Kabbadaa, Akkuma 495[ffaa].
[497]Akka marii garee qonnaan bultootaa fi bulchiinsota gandaa aanaa Guutoo Giddaa keessatti gaggeefameetti, ' lafti gandichaa kan bosonaa fi qonnaaf oolu hedduun bara 1990 irraa jalqabee qubannaa seeraa alaatiin qabamee waan jiruuf, qabiyyeen lafaa rakkoo keessa jiraachuu isaati.'
[498]Af-gaaffii Abdulqaadir, Itti gaafatamaa Waajjira Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Godina Jimmaa waliin gaafa 10/01/2013 gaggeeffame.

argamu walqabatee gandaa keessatti mul'atus rakkoo hamaa akka ta'e ka'eera.[499] Gama biraan, lafa waliinii fi kan mootummaa irratti namootni deemanii qabachuun ni jira. Namni hagas mara hordofu waan hin jirreef ,erga qabatanii turanii booda darbiinsa daangaa yerootiin mootummaan nagafachuu hin danda'u jedhamee haallii itti falmiin ka'u ni jira. Fakkeenyaaf, dhimma mana murtii aanaa Baabboo Gambeelitti jalqabame[500] tokko irratti waamamtootni lafa mootummaa hektaara 300( dhibba sadi) ta'u, seeraan ala qabatan jedhamanii kan himataman yoo ta'u; isaanis deebii deebisaniin, himatamaan 1[ffaa] bara dargii naaf kenname waggaa 27 ol fayyadameera yoo jedhu; isaan kaan (2-8) ammoo himatamaa 1ffaa irraa kaan (2-6) kireeffatanii, kaan (7-8) ammoo qixxee fuudhanii akka qotan turanii fi isaanis waggaa 12 ol fayyadamneerra waan ta'eef, darbiinsa yeroon hin gaafatamnu jedhan falmaniiru. Manni murtii Aanaa Baabboo Gambeel ragaan kenniinsa yeroo dargii jedhu chaappaa hin qabu jechuun kufaa taasisee laficha akka gad-dhiisan murteessera. MMO Godina W/Lixaa, bu'uura dambii lafa baadiyyaa 151/2005 tiin darbiinsa yeroon hin gaafataman jedhee murteesse. MMWO dhaddachi Lixaa ni cimse. MMWO dhaddachi ijibbataan darbiinsi yeroo lafa kan mootummaafis ta'ee falmii namoota dhuunfaa lamaan gidduutti ni hojjeta waan ta'eef hin gaafataman jedhee murteesseera. Kaayyoo ijoon asitti dhimmi kun dhufeef, waa'ee darbiinsa yeroo ka'ee sirrummaa isaa xiinxaluuf osoo hin taane, qabaannaan seeraan alaa jiraachuu isaa agarsiisuu fi dha.

Dhimma[501] biraa tokko irraas qabannan seeraa jiraachuu irra darbee dogoggorsiisaniillee waraqaa abbaa qabiyyummaa itti baafachuunillee akka jiru argina. Dhimma kana irratti waamamaan (waajjirri lafaa) ammaa himataa jalaa yoo ta'u; iyyataan himatamaa dha. Dhimmichi mana murtii aanaa Xiyootti kan jalqabe yoo ta'u; waamaman himata gaafa 13/02/2011 barreesseen ilma iyyataa kan ta'e Abdallaa Waasii qabiyyee lafa baadiyyaa kan mootummaa heektaara 0.715 ta'e daangaa isaa caqasuun seera ala qabate waan ta'eef, akka gad-lakkisu himate. Ilmi iyyataa deebii kenneen; lafti jedhame kan abbaa isaatiif bara 1978 seeraan kennamee itti fayyadama turee waan ta'eef, darbiinsa yerootiinn hafaa ta'a jedhee falmeera.

[499]Af-gaaffii Saajin Ol'aanaa Kaasahun Geetuu, A/Adeemsa Qorannoo Yakkaa Waajjira Poolisii Aanaa Yaaballoo waliin gaafa 5/2/2013 gaggeeffame.

[500] Waajjira Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Aanaa Baabboo Gaambel fi Obbo Guddataa Gaarii fa'a (N-9) Dhaddacha Ijibbaataa, MMWO, Lakk.G. 291875, gaafa 17/07/2011 kan murtaa'e.

[501] Waajjira Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Aanaa Xiyoo fi Waashii Roobaa, MMWO, Dhaddacha Ijibbaataa Lak. Gal. 333666 gaafa 25/2/2013 kan murtaa'e.

Abbaan isaa kenneefii mana irratti ijaarratee itti fayyadama jiru ta'uu ibseera. Kana gidduun waamamaan ammaa bu'uura s/d/f/h/h 41'n gidduu seeneera.

Manni murtii falmisiisaa turee murtii kennus, manni murtii ol'aanaa dhimma mormii darbiinsa yeroo irratti dursa ilaaluu qaba ture jechuunol'iyyannoo dhiiyateirratti dhimmicha ilaalee abbaan qabiyyummaa argachuun kan mirkanaa'e bara 2009 keessa waan ta'eef, darbiinsa yeroon hin daanga'u jechuum lafa darbee qabate jedhamee qulqulleeffadhe jedhu hektr 0.265 akka gad-lakkisu murteessera. Dhaddachi ijibbaataas, murtii duraa, iyyataa fi deebii falmitootaa ilaaluun komiin dhiyaate falmii irraa akka hubatetti iyyataan lafa kan isaa hin taane, daangaa dogoggorsee waraqaa ragaa yoo itti baafatellee, kan isaa hin taasisu jechuun lafa daangaa darbee qabiyyee isaatti dabalachun waraqaa abbaa qabiyyummaa itti baafate bu'uuruma manni murtii jalaa murteesseen dogogoora hin qabu jechuun murteesseera. Dhimma kana irraa lafa mootummaa irratti qabannaa fi qubannaan seeraan alaa jiraachuu yaadota af-gaafiin ka'an kan cimsu ta'uu hubanna.

Dhimmi qabannaa fi qubannaa seeraan alaa kun rakkoo lafaa ta'uu irra darbee kan siyaasaa ta'aa jira. Naannoo biroo keessaa dhufanii naannoo Oromiyaatti qubannaa fi qabannaa seeraan alaan erga baay'atiin booda haallii itti mirga hiree murteeffannoo (referundum) haalli irratti gaafachuuf yaalanillee uumamaa jira. Fakkeenyaaf, gara Godina Wallagga BahaaGuuttin irratti baroota dheeraa dura ofiin of bulchina jedhanii jeequmsi adda addaa ka'aa tureera. Gara Gumbii Bordoddeetti ammoo lafuma Oromiyaa irratti falmiin ka'ee sagaleen irratti kennamee gara Oromiyaatti daanga'us, ammallee falmiin lafti keenya gama Somaaleen jiru itti fufee jira.[502] Bara 1996tti lafa irratti hireen murteeffannaa naannoo kam jalatti bulla jedhu uummataan gaggeeffamee gara naannoo Oromiyaatti murtaa'ellee hanga ammaa furmaata osoo hin argatin waldhabbiin daangaa irratti ka'aa jira.[503] Rakkoon kunis dhufuu kan danda'e sababa qubannaa fi qabannaa seeraan alaa irraati. Rakkoon qubannaa fi qabannaa seeraan alaa kun siyaas-diinagdee naannoo Oromiyaa rakkoo hamaaf saaxilaa kan jiru ta'uu isaa haala waliigalaa fi falmiiwwan

[502]Af-gaaffiiwwan Najaash Yusuuf, B/B/I/G Waajjira BIL A/G/Bordoddee waliin gaafa 2/3/2013; Amuu Nuuree, Itti Gaafatamaa Waajjiraa Dh/D/Daa'immanii Aanaa Gumbii Bordoddee waliin gaafa 30/2/2013 gaggeeffame.
[503]Af-gaaffii Siraaj Aliyyii, Itti Gaafatamaa Koomishinii Horsiisee Bulaa Aanaa G/Bordoddee; Iskindir Ahmadnur, D/Garee Bulchinsaa Qabeenyaa Uumaama Komishinii Horsiise Bulaa Aanaa G/Bordoddee waliin gaafa 30/2/2013 gaggeeffame.

lafaa naannichaa iddoo addaa addaatti mudataa jiran irraa ni hubatama. Kunis, dhimmichi gama bulchiinsa lafaatiin xiyyeeffannoo guddaa kan barbaadu ta'uu namatti agarsiisa.

Rakkoowwan qubannaa fi qabannaa seeraan alaa kana hambisuuf Dambii Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Dambii Lakk.151/2005 kwt 33 irratti addabbii tumeera. Akka tumaa keewwatichaatti[504] namni lafa baadiyyaa seeraan ala qabate hanga hidhaa waggaa shanii ni adabama. Tumaan dambii kanaa eegumsa lafa baadiyyaaf taasisuuf gahee kan qabu ta'us, dhimmi adabbii kun kan tumamuun irra ture labsii keessatti malee dambii keessatti miti. Lafa ummatni keenya akka lafeetti ilaalu kanaaf eegumsa taasisuuf gahee kan qabu yoo ta'es, dhimmi kun dambii keessatti tumamuun isaa manneen murtiillee hojiirra oolchuuf akka rakkatan taasiseera.

Akka waliigalaatti, dhimmi qubannaa fi qabannaa seeraan alaa kun rakkoo hamaa kan lafa baadiyyaa namootni mirga osoo hin qabaatin lafa bu'uura siyaas-diinagdee biyya kanaa ta'e akka fayyadaman taasisaa jiru dha. Kuni immoo irra guddinni isaa hanqina gama bulchiinsa lafaan jiruun kan walqabatu dha. Lafti baadiyyaa sirnaan safaramee tokkoon tokkoon pilootii isaa hin beekamu waan ta'eef, mootummaan lafa bulchuu fi itti fayyadama isaa sirnaan hoogganuu irratti hanqina kan qabu ta'uu isaa daatawwan karaa af-gaaffiin argaman agarsiisaniiru. Bulchiinsa lafaa hammayyeesuu fi warreen bulchiinsa lafaa irratti hojjetan ogummeessuu; akkasumas, naamusa isaan irraa barbaachisu akka horatan taasisuun hojii guddaa hojjetamuu qabu dha.

#### 3.2.2.3. Darbinsa Yeroo

Darbiinsi yeroo bifa adda addaa qaba. Tumaalee seera hariiroo hawaasaa adda addaa fi kan dambii bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa Oromiyaa irraa akka hubatamutti; darbiinsi yeroo kan himata dhiyeessuu dhorku, kan mirga itti fayyadamaa hambisuu fi kan mirga gonfachiisuu ta'uu danda'a. Fakkeenyaaf, tumaa seera hariiroo hawaasaa kwt 1845 yoo ilaalle, namni akkaataa waliigalteen naaf haa raawwatuu; waliigalteen naaf haa diigamuu waggaa

---

[504]Dambiin BIFLBO Lak. 151/2012 kwt 33 (1) akka armaan gadiitti teechifameera. "*Lafa baadiyaa osoo hin kennamniif seeraan ala qabachuun yookiin qabachuu yaaluun yookiin mana ijaaruun yookiin dallaa ijaaruun yookiin qotuun yookiin qotuu yaaluun dhorkaadha, namni kamiyyuu osoo beekuu yookiin beekuu osoo qabuu: lafa badiyaa seeraan ala qabatee yookiin qabachuu yaale yookiin mana ijaare yookiin dallaa ijaaree yookiin qotee yookiin qotuu yaalee argame seera biraatiin kana caalaa kan adabsiisu yoo ta'e malee adabbii hidhaa waggaa tokkoo hanga waggaa shanii fi qarshii kuma lamaa hanga kuma jahaatiin adabama."*

kudhan keessatti kan hin dhiyaanne yoo ta'e mirgi himata san dhiyeessuu akka hafu tumeera. Kewwatichi akka armaan gadiitti dubbifama.

> *Article 1845*
> *Period of limitation*
> *"Unless otherwise provided by law, action for performace of contract, action based on non-performace of contract, action based on the non-performace of contract and action for invalidation of contract shall be barred if not brought within ten years." Tumaa seeraa kana irraa darbiinsa yeroo mirga himannaa dhiyeessuu dhorku argina.*

Tuma seera hariiroo hawaasaa kwt 1168 yoo ilaalle ammoo namni qabeenya dhaabbataa walitti fufuun waggoota 15 (kudha shaniif) qabatee taaksii itti kaffale abbaa qabeenyichaa akka ta'u tuma. Tumaa keewwata kanaa irraa darbiinsa yeroo waggaa 15 booda aabbaan qabeenyichatti fayyadaa fi taaksii itti kaffalaa ture abbaa qabeeenyichaa ta'a jechuudha. Gara galchoo tumaa seera kanaa yoo dubbisne namni qabeenya dhaabbataa waggaa 15 (kudha shan) itti hin fayyadamiin turee fi namni biraa immoo itti fayyadamaa kan ture yoo ta'e mirga abbaa qabeenyummaa sababa darbiinsa yerootiin kan dhabu ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama. Qabeenya socho'aa yoo ta'e ammoo namni waggaa 10 (kudhan) bakka inni jiru wallaaluun itti hin fayyadamiin hafe mirga abbaa qabeenyaa akka dhabu tumaan seera hariiroo hawaasaa kwt 1192 tumeera. Tumaa seera hariiroo hawaasaa kwt 1366 yoo ilaalles, namni lafa nama biraa keessa daandii darbiinsaa waggaa 10f (kudhan) fayyadame mirga daandii akka argatu tuma. Tumaalee kanneen irraa wanti hubannu darbiinsa yerootti dhimma bahuun abbaa mirgaa ta'uun kan danda'amu ta'uu isaati. Gara galchoon yoo dubbisne ammoo, tumaan seerota kanaa kan itti fayyadamaa ture abbaa mirgaa kan godhu yoo ta'u; isa kaan ammoo mirga kan dhabsiisu ta'uun isaa hubachuun barbaachisaa dha.

Mirgi itti fayyadama lafaa daangaa yeroo akka hin qabne heera mootummaa federaalaa, kan mootummaa naannoo Oromiyaa, labsiin itti fayyadamaa fi bulchiinsa lafaa federaalaa fi kan naannoo Oromiyaa ni tumu.[505] Labsiin bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa Oromiyaa mirgi itti fayyadama lafa baadiyyaa yeroo hin daangofneef ta'us, balleessaa yookiin fedhii ofii

[505] Heera Mootummaa RDFI kwt 40(4); Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Kwt 40(4); Labsii itti fayyadamaa fi bulchiinsa lafa baadiyyaa mootummaa federaalaa labsii lakk.456/2005 kwt 7(1). Labsiin kun mirgi itti fayyadamaa lafaa kan qonnaan bultootaa, gamisa qonnaan bultootaa fi horsiise bultootaa daangaa akka hin qabnee hangi turtii itti fayyadama qaamota biro garuu seeraan kan murtaa'u akka ta'e tuma. Labsii bulchiinsa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa mootummaa naannoo Oromoyaa labsii lakk. 130/1999 kwt 6(1) irratti qonnaan bulaa, horsiise bulaa fi gamisi horsiise bulaan lafa qabiyyee isaaniitti daangaa tokko malee fayyadamuu akka danda'an tumeera.

irraa ka'uun haalli itti daanga'u jiraachuu ni tuma. Labsicha kwt 6(16) yoo ilaalle; yeroo hin murtoofnee mirgi itti fayyadamuu akkuma jirutti ta'ee; lafa baadiyyaaye waggaa lamaaf walitti aansee abbaan qabiyyee osoo itti hin fayyadamiin yoo hafe/fte, mirga qabiyyee sanii fedhii ofiin yoo dhiise yookiin immoo lafa san kunuunsuu yoo dhabe/bde irraa fudhatamuu akka danda'u tumameera.[506]zTumaa labsii kanaa irraa wanti hubatamu, ulaagaan mirga itti fayyadama lafa baadiyyaa dhabsiisuu danda'u kan kwt 6(16) irratti tumame yoo mudatu, qaamni lafa bulchuuf aangoon kenname (biiroo/waajjirri bulchiinsaa fi itti fayyadama lafaa) tarkaanfii mirga itti fayyadama lafa baadiyyaa san irraa fuudhuu kan qabu ta'uu isaati. Kana jechuun, namni lafa isaa osoo itti hin fayyadamiin waggaa lama ture battalumatti mirga qabiyyee lafa baadiyyaa waliin qabu san dhaba jechuu osoo hin taane qaamni lafa bulchu bu'uura seeraan tarkaanfii mirga itti fayyadama lafaa isa dhabsiisu fudhachuu ni danda'a jechuu akka hin taane hubatamuu qaba. Kana jechuun ammoo dhimmi kun hafiinsa mirga itti fayyadama lafa baadiyyaan kan walqabatu ta'a malee dhimma darbiinsa yeroo waliin nama burjaajessuu kan hin qabne ta'uu isaati.

Darbinsi yeroo dambii bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyaa keessatti tumame dhimma seera haadhoo dambichi bu'uureffatee bahe keessatti kan hin jirre ta'us, haalli tarreeffama isaa darbiinsa yeroo mirga abbaa qabiyyummaa gonfachiisu (acquisitive) fakkata. Tumaan darbiinsa yeroo dambiin bulchiinsa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa Oromiyaa tume waan labsii lafa baadiyyaa kan federaalaa, kan naannoo Oromiyaas ta'e heera mootumaa keessatti hin jirre kan akkaataa argannaa lafaa ida'uun/dabaluun darbiinsa yeroo tumeera.[507] Labsiin 130/2007s ta'e, labsiin 456/2005 akkaataan argannaa lafa baadiyyaa dhaalaan, kennaa fi kennaa mootummaan/hirtaan ta'uu akka danda'u tuma. Dambiin 151/2005 Keewatni 32 gad-fageenyaan yoo ilaalle garuu akkaataa argannaa qabiyyee lafaa kan dabale fakkaata. Tumaan keewwatichaa akka armaan gadii jedha. *'Namni lafa baadiyyaa seeraan ala qabatee argame kamiyyuu hanga waggaa 12 tti darbiinsa yerootiin hin daangeeffamu.'* Kana jechuun, namni lafa baadiyyaa karaa seeraan alaatiin qabate kamiyyuu hanga waggaa 12 itti hin fayyadamnetti mirga itti fayyada lafa baadiyyaa san dhabuu kan danda'u ta'uu isaati. Garagalchoo isaa yoo dubbisnus, akkaataa tumaa

[506]Hiikkaan afaan Ingiliffaa keewwatichaa akka itti aanu dubbisa; *'without prejudice Sub-Article (1) of this Article, any rural land user shall be deprived of hi sland use right under the following conditions: leaving the land unused for two consecutive years, leaving the holding on his own reason, or neglect conserving the land. The detail shall b e Decided by Oromia Agricultural and Rural Development Bureau.'*

[507] Dambii BIFLBO Lakk. 151/2012 kwt 32. '*Namnii lafa badiyaa seeraan ala qabatee argame kamiyyuu hanga wagga 12 tti gadidhisisuuf darbiinsa yerootiin hin daangeeffamu.'*

kwt 32 dambii 151/2012 kanatti, namni lafa baadiyyaa seeraan ala qabatee waggaa 12 ol yoo itti fayyadame lafa san kan argatu ta'a akka jechuuti.

Darbiinsa yeroo kanaan walqabatee rakkoowwan addaa addaatu qabatamaan manneen murtii keenya keessatti mul'ata. Gariin isaanii darbiinsa yeroo dambii lafa baadiyyaa kanaan taa'e kanaan yoo murteessan; gariin ammoo akkuma dhimmichaa irratti hundaa'uun darbiinsa yeroo seeroota biroon jiran yeroon fayyadaman ni jira.[508] Kun kan agarsiisu dhimma darbiinsa yeroo kana irratti walfakkiin kan hin jirre ta'uu isaati. Rakkoon kun akka uumamu kan taasise darbiinsi yeroo waggaa 12 lafa baadiyyaatti fayyadamuun mirga itti fayyadama lafaa bifa argamsiisuu danda'uun labsii lafa baadiyyaa keessa osoo hin jiraatiin dambii keessatti tumamuu isaati. Gama biraan ammoo, dhimma lafa baadiyaatiin walqabatu hunda irratti darbiinsi yeroo dhimmi itti bahamuu qabu kan dambii keessatti tumame ilaalchi jedhu jiraachuu isaati. Haa ta'u malee, labsii lakk 130/2007 irratti akkuma tumame dhimma dhaala lafa baadiyyaattiin walqabatu irrati akkaataa seera dhaalaan kan raawwatamu akka ta'e tumameera.[509] Bifuma walfakkaatuun, akkaatuma gaaffii himannaa isaatii irratti hundaa'uun lafa baadiyyaan kan walqabtu yoo ta'es darbiinsi yeroo isaa tumaa seerota waliigalaa hariiroo hawaasaa keessaatu raawwatamummaa qabaata.

Fakkeenyaaf, waliigaltee kiraa lafaa keessatti ulaagawwan akka guutaman labsii 130/2007tiin tumaman akkuma jirutti ta'ee, yeroo waliigaltee kiraa raawwatamu doorsifamee, gowwoonfamee ykn haala biraan fedhii isaa/ishee sirnaan hin kennnime waan ta'eef jedheen waliigaltichi akka diigamu kan barbaadu darbiinsa yeroo waliigaltee hanqina qabu akkamitti akka diigamu tumutu rawwatamummaa qabaata jechuudha. Qamabatama jiru kan darbiinsa yeroo dhimma lafa baadiiyyaatiin walqabatu irratti rakkoowwan jiran haala armaan gadiin xiinxalamaniiru.

---

[508] Af-gaaffii Shawaaragaa Isheetuu, Olitti yaadannoo lak 448 waliin gaafa 17/2/2013 gaggeeffame akka agarsiisutti darbiinsa yeroo adda addaa fayyadamuun kan jiru ta'uu fi wal fakkiin akka hin jirree dha. Akka inni jedhutti, 'dhaala yoo ta'e SHH kwt 1000 fayyadamuu; (dhaaltota yoo ta'an); dhaaltota Vs miti-dhaaltota waggaa 15 kan jedhu fayyadamuun ni baayyata; dambii keessa kan taa'eenis kan fayyadamu jira (waggaa 12); dhaddachi ijibbaatas qabeenyi dhaabbataa darbinsa yeroo hin qabu kan jedhus ni jira.

[509] Labsii BIFLBO Lak. 130/2007, Kwt 9 (1) yoo ilaalle, qonnaan bulaan ykn horsiise bulaan miseensa maatii isaa akka seera dhaalaan mirga itti fayyadama lafaa dhaalchisuu akka danda'u tumeera.

Dhimma Mana Murtii Aanaa Giraar Jaarsoo[510] tokko irraatti, himattootni lafa qabiyyee abbaa isaanii himatamaan qofaa itti fayyadamaa jira waan ta'eef, gahee isaanii akka qooduuf gaafataniiru. Himatamaan ammoo lafa jedhame waggaa 20 oliif itti fayyadameera waan ta'eef, gaaffiin darbiinsa yerootiin ni daanga'a jedhee falmeera. Manni murtiis, ragaa dhiyaate kan namaa fi sanadaa xiinxaluun lafti jedhame qabiyyee dhaalaa ta'uu hubateera. Ragaa keessaas lafti waggaa 15 oliif harka himatamaa fi giddu-lixaa turuu hubachuun yeroon itti gaafachuu danda'an bu'uura dambii lakk. 151/2012 kwt 32 tiin darbiinsa yeroon kan daangeffamu ta'a jechuun himata dhiyaate kufaa godheera. Asitti wanti ilaalamuu qabu, falmiin dhaalaa qabiyyee lafaa irratti waan ta'eef, qofa darbiinsi yeroo dambii lafa baadiyyaa lakk. 151/2012 tiin taa'etu hojiirra oola moo miti kan jedhuudha.

Ka'umsi dhimmichaa qabeenya dhaalaati. Dhaaltotni nama du'ee kan dhaalan qabeenya qofa osoo hin taane, qabiyyee nama du'ees dabalata. Kana immoo seerri bitu seera dhaalaa akka ta'e beekamaadha. Labsiin lafa baadiyyaas dhimma dhaalaa irratti akkaataa seera dhaalaattin raawwata jechuun gara seera dhaalaatti qajeelcheera.[511]Dhimma dhaalaan walqabatu irratti namni mirga dhaaluu qabu tokko mirga isaa yeroo hangamii keessatti yoo itti hin fayyadamiin hafe mirgi isa darbiinsa yerootiin daanga'a kan jedhus seeruma dhaala keessatti tumamee jira.[512] Akka keewwata kanaatti, namni qabeenya dhaalaa fudhate tokko yoo namni mirga dhaalutmmaa qabu kan biraan qabeenya dhaalaa fudhachuu isaa erga baree waggaa sadii keessatti himata hin dhiyeessine qabeenyi dhaalaa sun kan isaa/shee akka ta'u ibsa. Gama biraatiin falmiin dhaaltummaa namoota mirga dhaaluu qaban gidduutti yoo ta'e darbiinsi mirga dhaaluu gaafachuu waggaa sadii[513]; kan mirga dhaaluu qabuu fi hin qabde gidduutti yoo ta'e waggaa 10 (kudhan) akka ta'ee[514] fi haala kamiinuu waggaa 15 (kudha shanii)[515] booda mirgi

---

[510]Nigusee Addunnaa fi Biree Addunnaa Vs. Bookii Addunnaa MMA Giraar Jaarsoo Lakk. Galmee 36878 kan gaafa 21/4/2012 murtaa'e.

[511] Labsii BIFLO Lak 130/2007, Kwt 9 (1).

[512] Seera Hariiroo Hawaasaa, Kwt.1000 ilaalaa.

[513] ስንልሽ ማዘንጊያ Vs ተስፋ ማዘንጊያ murtii dhaddacha ijibbaataa MMW federaalaa jiildii ***6ffaa lak. Gal. 26422*** kan Onkoloolessa 28, 2000 murtii argate ilaaluun ni danda'ama. Dhimma kana irratti dhaaltuun qabeenya dhaalaa qabattee waggaa 10 oliif harka galfadhee itti fayyadamaan ture yeroon itti nagaafachuu danda'u darbiinsa yeroon kufaa ta'a jettee yoo falmitu manni murtii ol'aanaa Gondor mormii darbiinsa yeroo kufaa godhee akka qoodduuf murteeseera. Manni urtii waliigala naannoo amaaraas murticha cimseera. Dhaddachi ijibbaataa falmiin dhaaltota gidduutti yoo ta'e bu'uura S/HH kwt 1000(1) tiin waggaa sadii keessatti dhiyaachuu qaba jechuun murtii jalaa diigee gaafiin qooddii qabeenya dhaalaa darbiinsa yeroon hafa jechuun murteesseera.

[514] Murtii dirqisiisaa dhaddachi ijibbaata federaalaa jiildii 6ffaa irratti Lak. Galmee 25664 ተገኝ ይማም Vs ካሣሁን ደሳለኝ irratti kenne irraa falmiin dhaalto ta du'aa fi kan dhaaltota hin taane giduutti yoo ta'e SHH kwt 1000 osoo hi taane darbiinsi yeroo hojiirra ooluu kan SHH kwt 1677 (1) fi 1845 akka ta'e ibsuun himatichi kan dhiyaate waggaa 10

gaafachuuakka darbu murtiin dhaddacha ijibbaataa federaalaa ni agarsiisa. Kan waggaa kudha shanii tumaa SHH kwt 1000 (2) jalatti tumamee jira. Haaluma kanaan, haala kamiinu dhaaltummaan yeroo itti banamuu danda'u yookiin du'aan erga du'aa waggaa kudha shaniin booda namni mirga dhaalaa qabu tokko mirga san gaafachuu akka hin dandeenye tumameera.[516] Kana irraa kan hubannuu dhimma oliitiif seerri rogummaa qabu kan dambii lafa baadiyyaa osoo hin taane seera dhaalaa ta'uu qaba ture. Akkaataa seera dhaalaa kanaanis gaaffii himattootni dhiyeessan fudhatama qabaata osoo hin taane garuu dhimmichaaf manneen murtii keenya seera rogummaa qabu akka hin fayyadamiin hubachuun barbaachisaadha. Dhimmichi falmii qabiyyee lafaa ta'us, kan irraa maddu mirga dhaaluu waan qabnuuf akka nuuf qoodamuu kan jedhuu dha. Mirga dhaaluu isaanii kanas gaafachuu ykn raawwachiifachuu kan qaban waggaan 15 osoo hin darbiin ta'uu qabu ture. Waggaa 15 booda mirgi gaafachuu isaani darbiinsa yerootiin akka daanga'u seerri dhaalaa ni tuma waan ta'eef, murtiin murtaa'e sirrii ta'us, seerri dhimmichaaf rogummaa qabugaruu kan dambii lafa baadiyyaa osoo hin taane kan seera dhaalaa ta'uu qaba ture.

Falmiin lafa baadiyyaatiin walqabatu yeroo ka'u, Manneen Murtii Oromiyaa hedduminaan seerri itti dhimma bahan kan darbiinsaan walqabtu yoo ta'e, dambii lafaa 151/2012 kwt 32 dha. Dhaala qabiyyee lafaatiin kan walqabu yoo ta'es, darbiinsa yeroo kan dambii lafa baadiyyaa Oromiyaa keessa jiru ka'eetu mormiin sadarkaa duraa dhiyaata. Manneen murtiis, baay'inaan kanuma xiinxalu. Fakkeenyaaf, dhimmaa Mana Murtii Aanaa Giraar Jaarsoo[517] tokko irratti ilaaluun ni danda'ama. Dhimma kana irratti himattoonni qabiyyee lafa dhaalaa du'aa abbaa isaanii himatamaan harkatti qabatee waan dhorkateef, akka qooduuf gaafataniiru. Himatamaan lafa jedhame waggaa 27 ol itti fayyadameera waan ta'eef, mirgi gaafachuu isaanii bu'uura dambii lafaatiin darbiinsa yeroo waggaa 12tiin daanga'a jechuun falme jira. Falmii isaanii keessatti

---

booda waan ta'eef, darbiinsa yeroon hafa jechuun murtii jalaa diigee murteesseera. Murticha irratti yaadni adda bahinsaa darbiinsa yeroon hafuu hin qabu erga qabeenyichi harka jiraachuu beeke ganaa waggaa lama waan ta'eef jechuun abbaan seeraa tokko murtiirraaa yaadaan adda baheera.

[515] Dhimma darbiinsa yeroo dhaalaa kan waggaa 15 kana manni murtii waliigala federaala dhaddachi ijibbaataa jiildii 20 lakk galmee 120841 ta'e irratti gaafa Fulbaana 23, 2008 murtii dirqisiiaa kenneera. Murtii kana irrati darbiinsi yeroo daa'ima yeroo dhaalli banamu umuriin hin gahiinii erga mirga kabachiifachuuf gahaa ta'ee waggaa 15 keessatti darbiinsa yeroon hin daangeffamu jechuun murteessera.

[516] Seera Hariiroo Hawaasaa, Kwt.1000(2) reads as follows: *'It shall be absolutely barred after fifteen years from the death of the deceased or the day when the right of the plaintiff could be enforced, unless the action relates to family immovable.'*

[517] Daammanuu Balaachoo fa'a (N-3) fi Abiyoot Woldee Balaachoo, MMA Giraar Jaarsoo, Lak. Gal. 38248 gaafa 26/6/2012 kan murtaa'e.

himattootni abbaan isaanii erga du’ee waggaa 20 ta’uu fi amaanaadhaan isa harka ture malee kan isaa miti jechuun darbiinsi yeroo akka isaan hin daangessine falmaniiru. Manni murtii ragaa dhagaheefi xiinxala taasiseen falmiin lafaa kun kan taasifame dhaaltotaa fi nama dhaaltuu hin taane jidduutti dha jechuun; bu’uurra dambii lakk.151/2012 kwt.32 tiin namni lafa baadiyyaa seeraan ala qabatee argame kamiyyuu waggaa 12 booda gaafatamuu akka hin dandeenye tumamee jira jechuun himanni isaanii darbiinsa yerootiin daanga’eera jedhee murteesse. Asittis kan ilaalamuu qabu dhimmichi falmii qabiyyee qofa osoo hin taane kan dhaalaati waan ta’eef, kallattii sanaanis ilaaluu barbaachisa.

Dhimmoota xiinxalle keessaa hedduun isaanii yeroo falmiin dhaaltummaa lafa baadiyyaan walqabatu ka’u darbiinsa yeroo kan dambii lafa baadiyyaa lakk. 151/2012 tti kan fayyadaman ta’us, yeroo manni murtii seera Hariiroo Hawaasaa dhaaltummaan walqabatee jirutti dhimma bahus ni jira. Fakkeenyaaf; dhimma MMWO dhaddacha ijibbaataan[518] murta’ee tokko haa ilaallu. Dhimmichi falmii dhaaltummaa lafa baadiyyaa yoo ta’u, darbiinsi yeroo ka’ee falmiin gaggeeffameera. Dhimmichi qabeenya dhaalaa kan ta’e qabiyyeen lafa baadiyyaa iddoo lamatti argamu himataaf akka qoodamu ture. Waamamtuun 2[ffaan] dhimmicha kan amante yoo ta’u, waamamtuun 1[ffaa] ammoo “dhimmi kun qaamni biraa yeroo himataa ammaa guddisaa ture falmii kaasee naaf murtaa’eera waan ta’eef dhimma murtii argate kufaa ta’uu qaba” jettee falmiteetti. Gama biraan, qabiyyeen lafaa qabeenya dhaalaati jedhame kun kan abbaan ishee osoo hin du’iin kennaan dabarseefii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaa itti baafadhee waggaa 12 ol itti fayyadame waan ta’eef, darbiinsa yeroon kufaa ta’a jettetti.

Manni murtii Aanaa dhimma murtii argate mormiin jedhu dhimma biroo irratti waan ta’eef, fudhatama hin qabu jechuun; falmii darbiinsa yeroon walqabatu garuu, abbaa isheerraa kennaan argatee waggaa 12 ol itti fayyadamteetti jedheera. Qabeenyi dhaalaa ammoo qabeenya yeroo du’aan du’utti inni qabu waan ta’eef, waamamtuun ammoo lafa jedhametti waraqa ragaaa abbaa qabiyyummaa osoo du’aan jiruu itti baafattee waan qabduuf darbiinsa yeroo dambii lafa baadiyyaa waggaa 12tiin kufaa godhee lafichi qoodamuu hin qabu jechuun murteessee; qabiyyee harka waamamtuu 2[ffaa] akka qooddatu murteesseera. MMO: “waamamtuu 1[ffaan] kennaan argadhee yaa jettu malee, ragaa barreeffamaa kennaa kan ishiif kennamuu hubachiisu hin

[518] Roobaa Tarrafaa fi Abaaboo Tarrafaa N-2, MMWO, Dhaddacha Ijibbaataa, Lak. Gal. 333471 gaafa 24/02/2013 kan murtaa’e.

dhiyeeffannee waan taheef, kennaan hin jiru; qabiyyee falmiif ka'umsa tahe kana seeraan ala qabattee jirti; darbiinsa yeroon walqabatee immoo abbaan iyyataa yoo du'u bara 2000 keessa lafti kun erga harka isaa bahe waggaa 3 qofa waan taheef, gaafachuuf darbiinsi yeroo abbaa iyyataa hin daangessu; yeroo abbaan isaa du'u immoo iyyataan daa'ima waggaa 7 waan taheef, himata dhiyeessuu kan danda'u bara 2011 keessadha; darbiinsi yeroos bara 2011 eegalee kan lakka'amu taha; kanaafuu himanni kun darbiinsa yeroon hin daangahu qabiyyichi kan dhaalaati jechuun waamamtuu 1[ffaan] iyyataadhaaf akka qooddufif murtaasseera.

MMWO: "namni tokko dhaaluu kan danda'u qabeenya dhaalchisaan gaafa du'u qabu akka tahee tumaa SHH kwt.826/2/ jalatti tumameera; garuu ragaa dhiyaateerraa waamamtuu 1[ffaan] lafa kana waggaa 12 ol qabattee itti fayyadamaa turuun; qabiyyee kanarratti waraqaa ragaa abbaa qabiyummaa qabaachuun ishee qabiyyee dhaalaa utuu hin taanee, qabiyyee waamamtuu 1[ffaa] tahu hubachiisa jechuun qabiyyee harka waamamtuu 1[ffaa] jiru qoodamuu hin qabu jechuun murtii jalaa fooyyessuun murteesseera.

MMWO Dhaddachi Ijibbaataa: "qabiyyee harka waamamtuu 1[ffaa] jiru waamamtuu 1[ffaan] kennaan argadhee jette jirti. Iyyataan falmii kana waakkatee jira. Qabiyyee lafa baadiyyaa kennaan argachuu ishee kan hubachiisu akkaataa danbii lakk.151/2005 kwt.3/12/ tin ragaa barreefamaa kan qaama aangoo qabu biratti galmaayee dhiyeessuunidha. Waamamtuu 1[ffaan] waliigaltee kana hin dhiyeeffanne. Kanaafuu, waliigaltee kennaa jiraachuun hin mirkanoofne. Falmiin iyyattuu kan biroo himanni kun darbiinsa yeroon daangaha kan jedhudha. Falmiin galmee kanaa falmii dhaalaa akkaataa tumaa SHH kwt.999 tin dhiyaatee waan taheef, tumaan darbiinsa yeroo rogummaa qabu dambii lakk. 151/2005 kwt.32 utuu hin taane, tumaa SHH kwt.1000 dha. Kanaan walqabatee, umuriin iyyataa bara 2000 yoo abbaanisaa du'u daa'ima waggaa 7 tahuun hubatameera;kanaafuu, iyyataan umuriin isaa waggaa 18 erga guutee hanga waggaa 15 tti himanni kun darbiinsa yeroon kan daangahu miti. Haala kanaan yoo shallagamuu iyyataan bara 2011 tti umuriinsaa waggaa 18 taha waan taheef guyyaa kanarraa eegalee hanga wagga 15 tti himachuuf darbiinsi yeroo iyyataa hin daangessuu (SHH kwt.1000/2/). Kanaafuu, himati iyyataan dhiyaatee darbiinsa yeroon hin daangahu jechuun murteesseera. Qabiyyeen kun qabiyyee dhaalaa tahuun mirkanaayeera. Qabiyyee dhaalaa immoo iyyataan qooddachuuf akkaataa labsii lakk. 130/99 kwt.2/16/ fi 9 tiin miseensa maatii waan taheef, mirga guutuu qaba. Kanaafuu, iyyataan sababa gahaa malee qabiyyee dhaalaa qooddachuu hin qabu jechuun kan

manni murtii waliigalaa murteesse dogoggora. Darbees waraqaa ragaa abbaa qabiyummaa akkaataa tumaa SHH kwt.1195 ti tilmaama abbaa qabiyyeeti jedhu kan hubachiisu tahus garuu, qabiyyichi qabiyyee dhaalaa waan taheef, dhaaltonni akka hin qoodanne kan daangessu miti. Qabiyyee nama biraarratti ragaa baafachuun akkaataa tumaa SHH kwt.1196 tin mirga homaa hin kennuufi. Kanaafuu, murtiin mana murtii jalaa dogoggora seeraa isa bu'uuraa kan of keessaa qabu tahee argama jechuun sirriitti xiinxaleera. Dhimma kana irraa madaallii ragaa irratti manneen murtii gidduu garaa garummaan kan jiruu ta'uu; akkasumas, seera kamtu dhimma itti bahamuu qaba kan jedhu irrattis hubannoon walfakkaataan kan hin jirre ta'uu hubanna.

Akka waliigalaatti, dhimma falmii darbiinsa yeroo dambii lafa baadiyyaa lakk. 151/2012 keessa jiruun walqabatee gama tokkoon tumaa seera dambichi bu'uureffatee bahee fi seerummaa isaa irratti rakkoon ni jira. Akka galumsa tumaa darbiinsa yeroo dambii kana irra jiruutti darbiinsi yeroo akkaataa argannaa lafa baadiyyaa keessaa isa tokkootti fudhachuun ni danda'ama. Sababiin isaa namni tokko seeraan alas ta'u, lafa baadiyyaa qabatee waggaa 12 fayyadamee jennaan mirga silaa bu'uura seeraatiin hin qabne kan gonfatu ta'a jechuudha. Kun ammoo labsii bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa Oromiyaatiinis ta'ee, labsii lafa baadiyya kan federaalaatiin haguuggii hin argannee fi fallaa seerota dambichi bu'uureffatee baheeti.Haala kanaan tumuun dambii ammoo akkaataa abbootiin murtii bifa walfakkaatuun dhimma lafa baadiyyaa itti ilaalan irratti rakkoo uumaa jira. Rakkoowwan kana furuuf, dambichi bu'uuraan fooyyessuun barbaachisaa ta'us; furmaata yeroof garuu manneen murtii dhimmicha seerota bu'uraa waliin ilaaluun hiikkoo itti kennuu barbaachisa.

#### 3.2.3. Argannaafi Dabarsa Seeraan Beekamtii Qabaachuu Malu Garuu Hin Qabne

##### 3.2.3.1.Wabiin Qabsiisanii Liqeeffachuu

Dhimma kana irratti labsii bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa Mootummaa Federaalaatiin bahee fi kan Naannoo Oromiyaan bahee jiru yoo ilaalle, *abbaan qabeenyaa dhuunfaa lafa kiraadhaan argate tokko mirga itti fayyadama isaa wabiidhaan qabsiisuu akka danda'u kaa'a,*[519]akkasumas labsii bulchinsaaf ittifayydama lafa baadiyyaa Naannoo Oromiyaa irrattis haala walfakkaatuun *abbaan qabeenyaa mirga ittifayyadama lafa baadiyyaa liiziidhaan ykn kiraadhaan mootummaarraa argate mirga ittifayyadamaa fi qabeenya laficharratti horate*

[519] Labsii BIFLB Federaalaa Lak 456/1997, Kwt 8 (4),

*akka wabiitti qabsiisuu ni danda'a jedhee ifatti kaa'eera.*[520]Haa ta'u malee abbaan qabiyyee tokko mirga akkasii qabaachuu kaa'ee hin jiru. Kana irraa ka'uudhaan namootni tokko tokko mirga itti fayyadama lafaa wabiidhaan qabsiisuun akka danda'amu labsii lafa baadiyyaan ifatti hin taa'iin hafuun isaa akka tasaa bira kan darbame malee ta'e jedhamee itti yaadamee miti jedhu.[521] Yaada kanas sababaan yoo deggeran, erga abbaan qabeenyaa dhuunfaa lafa kiraadhaan argate tokko irratti mirga itti fayyadama isaa wabiin qabsiisuu danda'ee, abbaan qabiyyee tokko immoo mirga namni kiraadhaan argate qabu tokkoo gadi waan hin qabneef,sababa mirgicha wabiin qabsiisuu hin dandeenyeef hin qabu jedhu.[522]Abbaan qabeenyaa tokko qabeenya hin sochoone wabiin qabsiisuu kan danda'u qabeenya sana irratti, mirga abbaa qabeenyaa yoo qabaate qofa dha.[523] Imaammata waliigalaa lafaa irratti yeroo ammaa diriiree jiru yoo ilaallu garuu qotee bulaan, horsiisee bulaan ykn gamisa horsiisee bulaan mirga abbaa qabeenyummaa lafarratti waan hin qabneef, laficha wabiin qabsiisuu hin danda'u. Mirga abbaa qabiyyummaa wabiin qabsiisuu jechuunis kana irraa adda waan hintaaneef kan hayyamamu miti.[524] Kana jechuun garuu mirga itti fayyadamuu wabiin qabsiisuun hin danda'amu jechuu miti. Sababiin isaa mirga itti fayyadamuu wabiin qabsiisuu jechuunii fi mirga abbaa qabiyyummaa wabiin qabsiisuu jechuun tokko miti waan ta'eef.

Mirga itti fayyadamaa wabiin qabsiisuu jechuun kan agarsiisu, abbaan qabiyyee dirqama isaa bahachuu yoo baate abbaan mirgaa, mirga argachuu qabu argatee hanga fixutti qofa, lafa abbaa qabiyyeetti fayyadamuu kan danda'u dha. Kun immoo lafa dabarsanii kireessuu wajjiin waan walfakkaatuuf, wabii abbaa qabiyyummaa irratti dhiibbaa badaa qaqqabsiisa jedhamee kan yaadamu miti.[525] Kanaafuu, labsichaan ifatti kan hin teenye yoo ta'ellee, mirgi lafatti fayyadamuu abbaa qabiyyee tokkoo, mirgicha wabiin qabsiisuu kan dabalatudha jechuun ni danda'ama.

Dhimmuma liqii faana waalqabatu irratti namni liqaa fudhatee qabiyyee isaa qabsiisee yoo liqeeffate illee liqaa kana deebisuu yoo baate qabiyyeen isaa irraa hin fudhatamu. Darbee darbee sababa hubannoo dhabuutin yeroo qabiyyee qonnaan bulaa irraa fudhatamu ni mul'ata. Sababa

[520] Labsii BIFLBO Lak. 130/1999, Kwt 15(15)
[521] Tafari Baqqalaa, Olitti yaadannoo lak. 412, F34
[522] Tafari Baqqalaa, Akkuma 521
[523] Seera Hariiroo Hawaasaa Itoophiyaa 1960, Kwt 3051 ( 1 ),
[524] Seera Hariiroo Hawaasaa Itoophiyaa 1960, Kwt 3051 ( 1 )
[525] Seera Hariiroo Hawaasaa Itoophiyaa 1960, Kwt 3051 ( 1 )

kanaanis falmiin darbee darbee ni ka'a. Haata'u malee namni mirga ittifayyadama lafa baadiyyaa qabu sababa idaa dhuunfaan qabiyyeen isaa kamuu akka hin qabamne labsiin bulchinsaafi ittifayadama lafa baadiyyaa ifatti kaa'ee jirus haallii raawwii isaa ifaa waan hin taaneef dhimmi liqii faana walqabatuu haala ifa ta'een seera lafaa keessaa taa'uu dhabuun isaa rakkoo ta'ee jira. Kanaaf akkaataan qaamni liqii fudhatee yoo liqii sana deebisuu baate mirgi isaa itti kabajamuufi danda'u diriiruu qaba. Fakkeenyaaf, Labsii Lafaa Naannooo Amaaraa yoo ilaallu haala ifa ta'een kaa'ee jira. Haaluma kanaan, abbaan qabiyyee tokko turtii waggaa 30 hin caalleef mirga itti fayyadamaa wabiin qabsiisuun dhaabbilee faayinaansii Baankii Biyyoolessaa biyyattiin beekamtii argatan irraa liqeeffachuu danda'a.[526] Liqeeffataan qarshii liqeeffatee deebisuu kan hin dandeenye yoo ta'e, mirgi itti fayyadama liqeessaa turtii yeroo waliigalame caaluu hin danda'u.[527] Liqeessaan ofiisaatiin lafa kan hin misoomsine yoo ta'e nama sadaffaatti kan dabarsu yoo ta'e liqeeffataan mirga dursaa ni qabaata.[528] Waliigalteen wabiin qabsiisanii liqeeffachuu seera duratti fudhatama kan qabaatu dhaabbata liqeessu biratti galmaa'ee waraabbiin waliigaltichaas waajjira bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa aanaa biratti dhiyaatee galmee abbaa qabiyyeen walqabachuu qaba jechuun kaa'ee jira.Kanaaf seera lafaa naannoo keenyaa faana walbira qabnee yeroo ilaalluu seerrii bulchinsaafi ittifayyadama lafa baadiyyaa naannoo keenyaa fooyya'uu barbaada. Falmii lafaa sababa kanaan ka'u murtii haqa qabeessa akka argatus gumaacha guddaa taasisa. Fakkeenyaaf, Dhimma L.Galmee 300972 irratti Iyyattootni Damissee Geetahun fa'a N-3 Waamamaan Caalaa Badhaadhaa falmii liqii waliin walqabatu yoo ilaallu sababa iftoominni seera keessa hin jirreef murtiin mana murtii jalaa hanqina qabaachuu isaa hubachuun ni danda'aama.[529] Kunis:

> *Iyyattoota ammaa, himattoota mana murtii gadiitiin qabiyyee lafaa 20m*20m ta'e kan baargamoo qabu daangaa isaa caqasuun waamamaan mirga osoo irraa hin qabaatiin nu jalaa qabated akka gadi dhiisu jedhanii kan iyyatan yoo ta'u, waamamaan abbaa fi haati isaanii liqii narraa fudhatanii (waliigaltee liqii gaafa 12/4/1997 taasifameen) osoo naaf hin deebisiin waan hafaniif naaf dabarsanii waggaa 11 oliif itti fayyadameera jechuun deebii deebiseera. Manni murtii Aanaa Burraayyuus galmee L 6787 irratti waamamaaf murteeseera. MMGAONF galmee*

[526] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa, Kwt. 19 (1)
[527] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa, Kwt.19(2)
[528] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa, Kwt. 19 (3)
[529] Iyyattootni Damisee Geetahun fa'a N-3 fi Waamamaan Caalaa Badhaadhaa, Lak. Gal.300972

*L.34069 irratti murtii jalaa cimseera. Kanumaan dogoggora seeraa bu'uuraa qaba jedhamee MMWO dhaddachaa ijibbaataaf kan dhiyaate dha. Ijibbaatis labsiin 130/1999 lafti baadiyyaa idaan qabamuu akka hin dandeenye tuma jechuun yoo liqii isaa deebifachuu barbaade baargamoo irra jiru qabsiifatee irraa akka gurguramuuf gochuudha malee lafa mirga irraa hin qabne qabachuu hin danda'u jechuun akka gad-lakkisu murteesseera.*

Haa ta'u malee, yeroo dhiyootin asittii bakkeewwan waraqaan ragaa marsaa 2ffaa qaqqabee keesssatti waraqaa ragaa qabiyyee lafaa isaanii qabsiisanii liqii liqeeffachuun darbee, darbee jalqabamee jira.[530] Kana malees qonnaan bulaa gara investimentiitti ceesisuuf gama bulchiinsa gandaan fi waajjira lafaatiin qonnaan bulaan sun lafa qabaachuun isaa mirkanaa'ee xalayaan gara baankiif barraa'ee haalli itti liqii fudhatanii ykn haga parsantii 30% kaffalanii traakteera baafatan mijataa jira.[531] Hojiin akkasii garuu hawaasa horsisee bulaa biratti hin baratamne.Hangi investimentii bu'uura seeraatiin jiru irraa gadi siquun warri qarshii hanga ta'e qaban gara investimentiitti akka galan jajjabeessuu fi barumsa kennuuniif ni jira.[532] Garuu horii isaaniis ta'e lafa isaani qabsiisanii haalli itti liqeeffatanii gara investimentiitti cehan bu'uura seeraatiin tumamee hin jiru.Kun bifa lafa isaanii guutummaan irraa buqqisuu hin dandeenyeen osoo qabsiisanii liqeefachuun akka danda'amutti seeraan deegaramee gaarii ta'a yaadni jedhu ka'eera.[533]Kanaaf, dhimmoonni akkasii hojimaata irratti rakkoo akka hin uumnee qaama aangoo qabuunhaguuggii seeraa akka argatan taasisuun barbaachisaadha.

### 3.3. Bulchiinsa Lafaa Ilaalchisee

#### 3.3.1. Kallattii Qajeeltoowwan Bulchiinsa Lafaa Gaariin Yoo Madaallu

Dhimma kana ilaalchisee odeeffannoo bargaaffiin walitti qabame sooftiweerii Stata jedhamu fayyadamuun xiinxalameera. Bargaaffii kana keessatti, gaaffileen kudha-afur kan dhiyaatan yommuu ta'u, gaaffileen saddeet sadarkaan ibsaman; gaaffileen ja'a bifa filannootiin dhiyaatani.

---

[530] Marii Garee ogeessotaafi hooggantoota Waajjira Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafaa Godina Shawaa Lixaa waliin gaggeeffame.

[531] Af-gaaffii Yohaannis Luulsaggad, Ogeessa Sarveyarii Waajjira Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafaa Aanaa Leemmoo fi Bilbiloo waliin gaafa 11/2/2013 gaggeeffame.

[532] Af-gaaffii Diidaa Halakee, Dursaa Garee Waajjira Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafaa Godina Booranaa waliin gaaa 5/2/2013 gaggeeffame.

[533] Af-gaaffii Diidaa Halakee, Akkuma 532ffaa.

Gaaffilee kanaaf namoonni dhibba shanii fi digdamii-ja'a (526) kan gaafataman yemmuu ta'u, deebiin isaanii bifa gabateetiin akka armaan gadiitti ibsameera.

**A) Si'oomina (efficiency)**

Adeemsi galmeessa, dabarsaafi kkf lafaa; kaffaltii hin malleef (informal payment) carraa kan hin banne ta'uun isaa yoo madaalamu akkamiin ilaaltu jedhamee gaaffii dhiyaate namoonni 213 (dhibbeentaan 40.49) giddu-galeessa kan jedhan yemmuu ta'u dhibbeentaa 23 gaarii miti yemmuu jedhan, dhibbeentaan 20 immoo gaariidha jedhan. Walumaa galatti yemmuu ilaalamu warren gaaffii kana deebisan keessaa dhibbeentaan 10.08 si'ominni hin jiru yookiin si'oominni jiru baay'ee gaarii miti kan jedhan yemmuu ta'u dhibbeentaa 5.89 qofaatu baay'ee gaariidha jedhe. Kunis gabatee armaan gadii keessatti gabaabinaan dhiyaateera.

Gabatee 1: Si'oomina (Efficiency) tajaajilaa

| Si'oomina (Efficiency) | Freq. | Percent | Cum. |
|---|---|---|---|
| Baay'ee gaarii miti | 53 | 10.08 | 10.08 |
| Gaarii miti | 122 | 23.19 | 33.27 |
| Giddu-galeessa | 213 | 40.49 | 73.76 |
| Gaarii dha | 107 | 20.34 | 94.11 |
| Baay'ee Gaariidha | 31 | 5.89 | 100 |
| Walii gala | 526 | 100 | |

**B) Bu'a qabeessummaa (effectiveness)**

Gahumsi oguummaa, baajatni gahaa, akkasumas haalli siyaas-diinagdee biyyaa, kutannoon siyaasaa, ol'aantummaa seeraa kabachiisuu, sirni to'annoo cimaa fi tasgabbiin siyaasaa jiraachuun yoo ilaalamu tajaajilli kennamu maal akka fakkaatu deebiin walitti qabame akka ibsutti namoota 526 gaafataman keessaa dhibbeentaan wayyaba (38.78%) jiddu-galeessa kan jedhan yemmuu ta'u, dhibbeentaa 5.70 qofaatu baay'ee gaariidha jedhe. Warreen gaarii miti fii baay'ee gaarii miti jedhan walii galaan dhibbeentaa soddomii torbaa oli. Kuni yemmuu xiinxalamu ilaalchi yookiin hubannoon deebii kennitoonni bu'a-qabeessummaa tajaajila isaaniif kennamurratti jiru akka fooyya'uu qabudha. Kanas gabatee armaan gadii keessatti ilaaluun ni danda'ama.

*Gabatee 2: Bu'a-qabeessumaa (Effectiveness)*

| Bu'aqabeessumaa (Effectiveness) | Freq. | Percent | Cum. |
|---|---|---|---|
| Baay'ee gaarii miti | 53 | 10.08 | 10.08 |
| Gaarii miti | 143 | 27.19 | 37.26 |
| Giddu-galeessa | 204 | 38.78 | 76.05 |
| Gaarii dha | 96 | 18.25 | 94.3 |
| Baay'ee Gaariidha | 30 | 5.7 | 100 |
| Walii gala | 526 | 100 | |

**C) Iftoomina (Transparency), Itti-fufaa (Consistency) fi Tilmaamamummaa (Predictability)**

Haalli filannoo hojjetootaa, tajaajillii fi gatiin tajaajilaaf kaffalamu istaandardii qabaachuun yoo madaalamu maal fakkaata jedhamee gaaffii dhiyaateef deebi kennitoota 526 keessaa dhibbeentaan 41.44 giddu-galeessa kan jedhan yemmuu ta'u dhibbeentaan 23.95 immoo gaarii miti yaada jedhu qabu. Deebi kennitoota dhibbeentaa shan hinguunnetu haalli iftoominaa fi ittifufiinsaa baay'ee gaarii akka ta'e amanu. Dhibbeentaan 10.65 immoo baay'ee gaarii miti yaada jedhu qabu.

*Gabatee 3: Iftoomina (Transparency), itti-fufaa (consistency) fi tilmaamamummaa (predictability)*

| Iftoomina | Freq. | Percent | Cum. |
|---|---|---|---|
| Baay'ee gaarii miti | 56 | 10.65 | 10.65 |
| Gaarii miti | 126 | 23.95 | 34.6 |
| Giddu-galeessa | 218 | 41.44 | 76.05 |
| Gaarii dha | 103 | 19.58 | 95.63 |
| Baay'ee Gaariidha | 23 | 4.37 | 100 |
| Walii gala | 526 | 100 | |

**D) Amanamummaa (Integrity) fi Itti-gaafatamummaa (accountability)**

Tajaajila walfakkaataa, dambiin naamusa hojjettootaa sirreessuuf gargaaru; akkasumas, akkaataa ittigaafatamummaa itti mirkanaa'u adeemsi ifaan jiraachuun bulchiinsa lafaa yoo madaalamu maal akka fakkaatu haala bargaaffiin dhiyaate namoota dhibba shanii fi digdamii jaha keessaa dhibbeentaan 71.29 baay'ee gaarii mitii irraa hanga giddu-galeessa kan jedhu

deebisaa kennaniiru. Kun kan agarsiisu, sirni amanummaa fi ittigaafatamummaan walqabatu akka deebi kennitoota biratti fudhatamaa hin ta'iin kan agarsiisu ta'uu isaati.

*Gabatee 4: Amanamummaa (Integrity) fi Itti-gaafatamummaa (accountability)*

| Amanamummaa | Freq. | Percent | Cum. |
|---|---|---|---|
| Baay'ee gaarii miti | 43 | 8.17 | 8.17 |
| Gaarii miti | 132 | 25.1 | 33.27 |
| Giddu-galeessa | 200 | 38.02 | 71.29 |
| Gaarii dha | 115 | 21.86 | 93.16 |
| Baay'ee Gaariidha | 36 | 6.84 | 100 |
| Walii gala | 526 | 100 | |

**E) Of-danda'uu (autonomy)**

Bulchiinsi lafaa gara gadiitti buusuun akka walaba ta'ee bulchu ta'aa jiraachuun yoo madaalamu maal akka fakkaatu gaaffii dhiyaateef deebi kennitoota gaafataman 526 keessaa harki wayyabaa jechuun dhibbeentaan 37 giddu-galeessa ken jedhan yemmuu ta'u warreen haalaan rakkinni jira (Baay'ee gaarii miti) fi gaarii miti jedhan dhibbeentaa 31.75 dha. Gama biraatiin warri haalaan sadarkaa gaariirra jira jedhanii amanan dhibbeentaa 8.56 qofaadha.

*Gabatee 5: Of-danda'uu (autonomy)*

| **Of-danda'uu** | **Freq.** | **Percent** | **Cum.** |
|---|---|---|---|
| Baay'ee gaarii miti | 33 | 6.27 | 6.27 |
| Gaarii miti | 134 | 25.48 | 31.75 |
| Giddu-galeessa | 195 | 37.07 | 68.82 |
| Gaarii dha | 119 | 22.62 | 91.44 |
| Baay'ee Gaariidha | 45 | 8.56 | 100 |
| Walii gala | 526 | 100 | |

**F) Hirmaachisummaa dhaabbilee hawaasummaa fi hawaasaa**
**(Civic engagement and public participation)**

Bulchiinsi lafaa fedhii tajaajilamtootaaf dafee deebii kennuu; odeeffannoon dhimma lafaa fooyya'aa, fedhiifi itti quufinsa tajaajilamtootaa sakatta'aa deemuun yoo madaalamu maal fakkaata gaaffii jedhuuf deebiin kenname akka gabatee 6 keessatti ibsame fakkaata innis deebii

kennitoota keessaa dhibbeentaan 40.87 ta'an baay'ee gaariimiti fi gaarii miti kan jedhan yemmuu ta'u, dhibbeentaa 6.46 qofaatu baay'ee gaariidha jedhe. Kunis kan agarsiisu bulchiinsa lafaa keessatti hirmaachisummaan dhaabbilee hawaasummaa fii hawaasaa haalaan gadi aanaa ta'uu isaa yookiin ammo hubannaan hawaasni hirmaachisummaa hawaasaan wal qabatee jiru gadi aanaa ta'uu fi akka irratti hojjetamuun barbaachisu ta'uu isaa agarssiistuu cimaadha.

*Gabatee 6: Hirmaachisummaa dhaabbilee hawaasummaa fi hawaasaa (Civic engagement and public participation)*

| Hirmaachisummaa dhaabbilee hawaasummaa fi hawaasaa | Freq. | Percent | Cum. |
|---|---|---|---|
| Baay'ee gaarii miti | 72 | 13.69 | 13.69 |
| Gaarii miti | 143 | 27.19 | 40.87 |
| Giddu-galeessa | 192 | 36.5 | 77.38 |
| Gaarii dha | 85 | 16.16 | 93.54 |
| Baay'ee Gaariidha | 34 | 6.46 | 100 |
| Walii gala | 526 | 100 | |

**G) Haqummaa (Equity), Sirrummaa (fairness) fi Al-loogummaa (impartiality)**

Namni hunduu ilaalcha siyaasaa akkasumas haalli qabeenya isaa yaada keessa osoo hin galiin tajaajila walqixaa kennuun bulchiinsa lafaa yoo madaalamu maal akka fakkaatu gaaffii dhiyaate bargaaffii 526 guutame keessaa dhibbeentaan 35.55 giddu galeessa kan jedhan yemmuu ta'u dhibbeentaan 26.62 fi 11.79 gaarii mitii fii baay'ee gaarii miti warra jedhanidha. Warreen gaafataman keessaa dhibbeentaa 5.7 jechuun namoota soddoma qofaatu baay'ee gaariidha jechuun deebise.

Gabatee 7: *Haqummaa (Equity), sirrummaa (fairness) fi al-loogummaa (impartiality):*

| Haqummaa | Freq. | Percent | Cum. |
|---|---|---|---|
| Baay'ee gaarii miti | 62 | 11.79 | 11.79 |
| Gaarii miti | 140 | 26.62 | 38.4 |
| Giddu-galeessa | 187 | 35.55 | 73.95 |
| Gaarii dha | 107 | 20.34 | 94.3 |
| Baay'ee Gaariidha | 30 | 5.7 | 100 |
| Walii gala | 526 | 100 | |

**H) Eegumsa seeraa fi ol’aantummaa seeraa (Legal security and rule of law)**

Bulcihinsi lafaa bu’uura seera dhaabbataa fi yaa’insa gaarii qabaachuu; mana murtii walabaa kan ol’aantummaa seeraa mirkaneessuu fi mirga qabiyyee fi qaabeenya lafaan walqabatee jiruuf eegumsa godhu qabaachuun yoo madaalamu maal fakkaata gaaffii jedhuuf deebi kennitoota 526 gaafataman keessaa dhibbeentaan 35.93 giddu galeessa kan jedhan yemmuu ta’u, dhibbeentaan 27.57 gaariidha jedhaniiru. Dhibbeentaan 6.65 garuu baay’ee gaarii miti deebii jedhu kennani jechuun eegumsi seeraa fi olaantummaa seeraa kabachiisuuf yaa’insi gaarii seeraa jiraachuu dhabuu kan amanan namoota dhibbeentaa olaanaa qabanidha.

*Gabatee 8: Eegumsa seeraa fi ol’aantummaa seeraa (Legal security and rule of law)*

| **Eegumsa seeraa** | **Freq.** | **Percent** | **Cum.** |
|---|---|---|---|
| Baay'ee gaarii miti | 35 | 6.65 | 6.65 |
| Gaarii miti | 125 | 23.76 | 30.42 |
| Giddu-galeessa | 189 | 35.93 | 66.35 |
| Gaarii dha | 145 | 27.57 | 93.92 |
| Baay'ee Gaariidha | 32 | 6.08 | 100 |
| Walii gala | 526 | 100 | |

Sirni odeeffannoo lafaa saayinsawaa ta’uun yoo madaalamu maal fakkaata gaaffii jedhu kan gaafataman namoota 526 keessaa harka walakkaatti kan dhiyaatan gadi’aanaadha kan jedhu deebisani. Warreen ol’aanaadha jedhanii amanan dhibbeentaa 14.64 qofaa dha. Kun kan agarsiisu, sirna bulchiinsa lafaa ammayyeessuu fi saayinsawaa gochuu irratti hojiin hojjetamuu akka qabu qofaa dha.

*Gabatee 9: Sirna Odeeffannoo ykn qabsiinsa ragaa lafaa*

| **Sirni odeeffannoo lafaa saayinsawaa ta'uu** | **Fereq.** | **Percent** | **Cum.** |
|---|---|---|---|
| Gadi'aanaa dha | 230 | 43.73 | 43.73 |
| Giddu-galeessadha | 219 | 41.63 | 85.36 |
| Ol'aanaa dha | 77 | 14.64 | 100 |
| **Waliigala** | **526** | **100** | |

Dhimma waldiddaa lafaa karaa kamiin osoo furamee akka filatan gaaffii dhiyaateef deebii bargaaffii 526 keessaa dhibbeentaan 44.11 osoo yeroo tokko tokko karaa aadaan furamee wayya kan jedhan yemmuu ta'u dhibbeentaan 31.37 immoo yeroo hunda osoo karaa aadaatiin furamee filatu. Dhibbeentaa 19.77 kan ta'an garuu osoo karuma mana murtii dhimmi wal-diddaa lafaa furamee kan filatan ta'uu ibsaniiru.

*Gabatee 10: karaa falmiin lafaa itti furamu*

| **Dhimma lafaa karaa aadaan furuuf fedhii hawaasaa** | **Freq.** | **Percent** | **Cum.** |
|---|---|---|---|
| Hinbeeku | 25 | 4.75 | 4.75 |
| karaa mana murtii osoo ta'een filadha | 104 | 19.77 | 24.52 |
| Yeroo tokko tokko | 232 | 44.11 | 68.63 |
| Yeroo hunda osoo karaa aadaatiin furate | 165 | 31.37 | 100 |
| Walii gala | 526 | 100 | |

Gaaffii dhimmi hawaasummaa falmii lafaa karaa mana murtii furuun rakkoo hawaasummaa fiduu akka danda'amu gaaffii dhalaaweef dhibbeentaan 55.7 eeyyee ni fida jedhaniitu deebisani.

*Gabatee 11: Falmii Lafaa karaa mana murtii fixachuun rakkoo hawaasummaa fiduu*

| **Falmii lafaa karaa mana murtii fixachuun rakkoo hawaasummaa fiduu ni danda'aa?** | **Freq.** | **Percent** | **Cum.** |
|---|---|---|---|
| Lakkii | 228 | 43.35 | 43.35 |
| Eeyyee | 293 | 55.7 | 99.05 |
| Ani hinbeeku | 5 | 0.95 | 100 |
| Waliigala | 526 | 100 | |

Gaaffii ilaalchaa fi fedhii hawaasni rakkoo waldiddaa lafaa karaa aadaatiin furuun wal qabatee jiru maal akka fakkaatu gaaffii dhiyaateef dhibbeentaan 64.45 kan jedhan eeyyee hawaasni yeroo tokko tokko osoo rakkoo isaa karaa aadaatiin furatee fedha kan jedhan yemmuu ta'u dhibbeentaan 30.8 immoo eeyyee hawaasni yeroo hunda osoo waldiddaa isaa karaa aadaatiin fixatee fedha. Kun kan agarsiisu yoo dirqii itti ta'e malee namoonni waldiddaa hiikkachuuf mana murtii filatan xiqqoo ta'uu isaaf agarsiistuu cimaadha. Bu'uura kanaan maloota karaa aadaa waldiddaa furuu jajjabeessanii fii adeemsa kana deeggaran diriirsuun rakkoo gama kanaan jiru furuu akka danda'u addeessa.

*Gabatee 12: Karaa aadaatiin rakkoo furachuu ilaalchisee*

| **Hawwaasni karaa aadaatiin rakkoo isaa furachuu irratti maal fakkaata** | **Freq.** | **Percent** | **Cum.** |
|---|---|---|---|
| Lakkii karaa aadaatiin furachuuf fedhii hin qaban | 25 | 4.75 | 4.75 |
| Eeyyee yeroo tokko tokko | 339 | 64.45 | 69.2 |
| Eeyyee yeroo hedduu karaa aadaan furachuu filatu | 162 | 30.8 | 100 |
| **Walii gala** | **526** | **100** | |

Akkaataa deebii bargaaffii namoota 526 irraa walitti qabameetiin baay'achuu falmii lafaatiif sababni adda dureen rakkoo bulchiinsa lafaatiin walqabate akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Gaafatamtoota keessaa harki sadi afraffaa ol (76.05%) sababa kana akka adda dureetti eeru.

*Gabatee 13: Sababa baay'achuu falmii lafaa*

| **Baay'achuu falmii lafaatiif maaltu sababa adda dureetii?** | **Freq.** | **Percent** | **Cum.** |
|---|---|---|---|
| Dabaluu gatii lafaa | 116 | 22.05 | 22.05 |
| Rakkoo bulchiinsa lafaa | 400 | 76.05 | 98.1 |
| Lamaanuu sabaa dha | 10 | 1.9 | 100 |
| **Waliigala** | **526** | **100** | |

Bu'a qabeessummaa falmii lafaa karaa aadaan furuun walqabatee carraaqqii taassisamee fi bu'aa argame yeroo gaafataman walakkaan deebi kennitootaa hanga ta'e bu'a qabeessa kan jedhan yemmuu ta'u dhibbeentaan 39.54 immoo baay'ee bu'a qabeessa akka ta'e eeraniiru. Dhibbeentaa 10.27 kan ta'an immoo bu'a qabeessa miti deebisaa jedhu laataniiru.

*Gabatee 14: Bu'a-qabeessummaa falmii lafaa karaa aadaa furuu yeroo madaalamu*

| **Bu'a-qabeessummaa falmii lafaa karaa aadaa furuu yeroo madaaltan** | **Freq.** | **Percent** | **Cum.** |
|---|---|---|---|
| bu'a qabeessa miti | 54 | 10.27 | 10.27 |
| hanga ta'e bu'a qabeessa | 264 | 50.19 | 60.46 |
| baay'ee bu'a qabeessa | 208 | 39.54 | 100 |
| **Waliigala** | **526** | **100** | |

Bulchiinsa lafaa ilaalchisee xiinxalli bargaaffii gaggeeffame kan olitti ibsame dha. Akka waliigalaatti yoo ilaallu, ulaagaalee bulchiinsa lafaa madaaluuf dandeessisan hunda irratti

hanqinni ni jira. Kanaafis sababoonni ijoo ta'an ni jiru. Sababoota kanas akka itti aanutti haa ilaallu.

### 3.3.2. Sababoota Bu'a-qabeessummaa Bulchiinsa Lafaa Miidhan

#### 3.3.2.1. Karoorri Itti Fayyadama LafaaSirnaan Diriire Dhibuu

Karoora itti fayyadama lafaa jechuun ragaa haala lafaa mul'isu, kan dinagdeefi hawaasummaa bu'uura gochuudhaan lafti baadiyyaa faayidaa adda addaa kennu keessaa lafaafi naannoo irratti dhiibbaafi miidhaa osoo hin dhaqqabsiisiin faayidaa dinagdee ol'aanaatiif akka oolu kan ittiin murtaa'uufi hojiirra kan ittiin oolu sirna hojii jechuu dha.[534]Haaluma kanaan, gosa biyyee, teessuma lafaa, amala qilleensaa, uwwisa biqiltuufi haala dinagdee hawaasummaa bifa of keessatti hammateen sulula bu'uura kan godhate karoorri itti fayyadama lafaa ba'uun hojiirra ooluu akka qabu labsiin bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa tumeera.[535] Kana jechuun, xiinxala saayinsaawaa gaggeeffamu irratti hundaa'uun lafti bakka kanatti argamu faayidaa akka kanaatiif yoo oole ykn dhorkamee yoo ture lafichaafi naannoo irratti miidhaa osoo hin geessisiin faayidaa dinagdee fi hawaasummaa caalaatti argamsiisa jedhanii murteessuu barbaada. Fakkeenyaaf, bakka hojiiwwan eegumsa biyyeefi bishaanii itti raawwatamaniifi biqiltuu dhaabbatan kamiyyuurratti beeyilada gadi dhiisanii dheechisuun dhorkaa ta'uufi sadarkaa, sadarkaan uummanni haala biraatiin akka itti fayyadamu labsiin bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa tumeera.[536] Akkasumas, lafa baadiyyaa ejjinni (slope) isaa % 30 gadi ta'e tooftaa bishaan cimmisanii fayyadamuun hojiirra akka oolu; %(30-60) yoo ta'e misooma midhaan waggaatiif ooluu kan danda'u daangaa barbaachisu hojjechuu qofaan ta'uu; %60 ol yoo ta'e qonnaafi beeylada gadi lakkisanii dheechisuuf ooluu akka hin dandeenyeefi biqiltuu dhaabbataafi misooma nyaata beeyladaatiif hojiirra akka oolu; ejjenni isaa % kamiyyuu yoo ta'e garmalee kan hubame taanaan yeroo murtaa'eef tuttuqqaa kamiraayyuu bilisa ta'ee turuu akka danda'u; lafti baadiyyaa bowwaa ta'e kunuunfamuu akka qabu seeraan tumameera.[537]

Karoora itti fayyadama lafaa ilaalchisee haalli qabatamaa Oromiyaa maal akka fakkaatu beekuuf afgaaffii fi mariin garee hoggantootaafi ogeessota bulchiinsaa fi itti fayyadama lafaa waliin gaggeeffamee adda addummaan akka jiru hubatameera. Iddoo tokko tokkotti qophaa'ee hojiirra

[534] Labsii BIFLBO Lak. 130/1999, Kwt. 2 (12)
[535] Labsii BIFLBO Lak. 130/1999, Kwt.18 (1)
[536] Labsii BIFLBO Lak. 130/1999, Kwt.18 (3).
[537] Labsii BIFLBO Lak. 130/1999, Kwt.18 (4-9) ilaaluun ni danda'ama.

hin oolle.[538] Iddoo tokko tokkotti bifa misooma sululaan kan qophaa'e ta'us hojiirra hin oolle.[539] Iddoo tokko tokkotti erga qophaa'ee yeroo dheeraa (hanga waggaa kudhanii) kan turee fi hojiirras oolaa hin jiru.[540] Waan ta'eefuu, karoorri itti fayyadama lafaa haala bu'a qabeessa ta'een qophaa'ee hojiirra oolaa jira kan jedhamu miti. Kanaafis sababoota armaan gadii tarreessuun ni danda'ama.

Tokkoffaa, rakkoo qindoominaati.[541] Hojiirra oolmaan karoora lafaa qindoomina qaamolee adda addaa, keessattuu waajjira lafaa, waajjira qonnaa, Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo fi Jijjiirama Qilleensaa barbaada. Waajjirri lafaa karooricha qopheessee sekteroonni adda addaa hojiirra akka oolchaniif dabarsee kenna. Qaamoleen hojiirra oolchan kunniin jalqabuma karooricha qopheessuu irraa eegalee dammaqinaan keessatti yoo hirmaatan malee hojiirra oolchuuf fedhii hin qaban. Kun ammoo qindoomina qabaachuu gaafata. Ta'us, qindoominni gama kanaan jiru laafaa ta'uu mariiwwan garee gaggeeffaman irraa hubachuun danda'ameera.[542]

Lammaffaa, hordoffiifi to'annoon cimaa hin jiru.[543] Biiroo ykn waajjira lafaa keessatti caasaan karoora lafaa bifa Daariktoretiin ykn gareen gurmaa'ee jira. Haa ta'u malee, karoorri qophaa'uufi qophaa'uu dhabuu, qophaa'ee hojiirra oolaa jiraachuufi raawwiin isaa sadarkaa maaliirra akka jiru yeroo baay'ee hin hordofamu; hin gamaaggamamu.

Sadaffaa, dirqasiisummaa dhabuu karoorichaa.[544] Karoorri itti fayyadama lafaa seeraan kan deeggarame miti. Kanaaf, qaama hojiirra hin oolchine mana murtiitti dhiyeessuun itti gaafatamaa gochuun hin danda'amu. Kun ammoo hojiirra oolmaan karoorichaa fedhii qaamolee mootummaa irratti akka rarra'u taasisa.

---

[538] Mariiwwan garee hooggantootaafi ogeessota Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafaa Godina Shawaa Bahaa waliin gaafa 20/2/2013; Godina Addaa Naannawaa Finfinnee waliin gaafa 25/2/2013 gaggeeffame.

[539] Afgaaffii Ob Gammadaa Tafarii, Dursaa Garee Kadistiraalaa Waajjira Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafaa Aanaa Alaltuu waliin gaafa 26/2/2013 gaggeeffame

[540] Marii garee Hooggantootaafi ogeessota Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafaa Godina Harargee Lixaa waliin gaafa 2/3/2013 gaggeeffame; Ob Iniyoo Xilaahun, I/Gaafatamaa Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafaa Aanaa Fantaallee 3/3 /2013

[541] Mariiwwan garee, Olitti yaadannoo lak. 538[ffaa].

[542] Mariiwwan garee, Akkuma 541[ffaa].

[543] Marii Garee Waajjira Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafaa Godina Harargee Lixaa waliin gaafa 2/3/2013 gaggeeffame

[544] Marii garee Waajjira Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafaa Godina Addaa Naannawaa Finfinnee waliin gaafa 25/ 2/ 2013 gaggeeffame

Afraffaa, hanqina loojistikii fi baajataa.[545] Karoora itti fayyadama lafaa qopheessuufi hojiirra oolchuun loojistikii fi baajata guddaa barbaada. Inni jirus guutummaatti waajjira lafaan kan bulu miti. Fakkeenyaaf, sulula kan hojjetu waajjira lafaa ta'us, baajati sululaa kan jiru waajjira qonnaa dha. Kun ammoo akkaataa barbaadamuun yeroo barbaadamu keessatti hojiirra oolchuuf mijataa miti.

Shanaffaa, kutannoon gama hooggansaan jiru laafaa dha. Qaamoleen bulchiinsa lafaa keessatti gahee qaban, keessattuu bulchitootni sadarkaan jiran murtii kennan keessatti karoora itti fayyadama lafaaf xiyyeeffannoo kennuu dhabuun akka jiru hubatameera.[546]

### 3.3.2.2. Qabinsaafi Qulqullina Ragaa

Waa'ee qabinsaa fi qulqullina ragaa lafa baadiyyaa yoo kaafnu, karaa biraatiin waa'ee sirna ragaa lafaa kaasuu keenya. Sirna ragaa lafaa jechuun ragaawwan lafaan walqabatan walitti qabuu, xiinxaluu, haalaan akka qabaman gochuufi itti fayyadamtootaaf kennuu jechuu dha.[547] Kun ammoo deebi'ee dhimmoota galmeessuu lafaa fi waraqaa ragaa kennuu jedhaniin walqabata. Galmeessuun lafaa mirga itti fayyadama lafa baadiyyaa fi abbaan qabiyyummaa kan ittiin ibsamu adeemsa ragaa funaanuufi qindeessuu dha.[548]

Lafti baadiyyaa (kan dhuunfaa, kan waliinii fi kan mootummaafi kan mootummaa hin taane) qabiyyummaa eenyuu jalatti akka argamu, lafa eenyuu wajjiin akka waldaangessu, sadarkaansaa, tajaajila maaliif akka oolu, mirgaafi dirqama abbaa qabiyyee kan ibsu ragaan galmaa'uun qabamuu akka qabu seerri ni tuma.[549] Waraqaan ragaa, adeemsa galmeessuu lafaa keessatti dhimmoota qulqullaa'uu qaban marti erga qulqullaa'anii booda, wabii mirga itti fayyadamaa mirkaneessuuf jedhamee ragaa kennamu dha.[550] Waraqaa ragaa kana argachuu kan danda'u akkuma haala isaatti abbaa qabiyyee dhuunfaa, dhaabbilee mootummaa, miti-mootummaa, abbootii qabeenyaa, dhaabbilee hawaasaa, abbaa manaafi haadha manaa ta'uu danda'u.[551] Kun kan agarsiisu, adeemsi galmeessuu lafaa fi kenninsa waraqaa ragaa abba qabiyyummaa

[545] Marii Garee, Akkuma 544[ffaa].
[546] Marii Garee Waajjira Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafaa Godina Shawaa Bahaa waliin gaafa 20/2/2013 gaggeeffame
[547] Labsii BIFLBO Lak. 130/1999, Kwt. 2 (19).
[548] Labsii BIFLBO Lak. 130/1999, Kwt.2 (20)
[549] Labsii BIFLBO Lak. 130/1999, Kwt.15 (1-3)
[550] Labsii BIFLBO Lak. 130/1999, Kwt. 2(21)
[551] Labsii BIFLBO Lak. 130/1999, Kwt.15

dhimmoota walitti hidhamiinsa qabani dha. Adeemsi galmeessuu lafaa dogoggora yoo ta'e, kenninsi waraqaa ragaa sirrii ta'uu hin danda'u. Akka waliigalaatti, qabinsii fi qulqullinni ragaa lafaa sirna ragaa lafaa, galmeessuu lafaa fi kenninsa waraqaa ragaan akka walqabatu hubachuun ni danda'ama.

Gama kanaan qabatamni akka Oromiyaatti jiru maal akka fakkaatu sakatta'uuf yaalameera. Haaluma kanaan, waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa kennamaa jiru bifoota lama qaba: sadarkaa $1^{ffaa}$ fi sadarkaa $2^{ffaa}$. Garaagarummaan waraqaa ragaa sadarkaa 1ffaafi 2ffaa, waraqaan ragaa sadarkaa $1^{ffaa}$koordineetii waan hin qabneef, maasii baay'een waraqaa tokko irratti/bakka tokkotti barreeffama. Bal'inni lafaas, meetiraan, wadaroon, al-tokko tokko tilmaamaan safarama. Kana irraan kan ka'e rakkoo wal-diddaa daangaa sirritti hiikuu hin dandeenye. Waliin gahinsa ilaalchisee sadarkaa $1^{ffaa}$n % 80 irra kan gahe yoo ta'u, sadarkaan $2^{ffaa}$ ammoo % 32 irra gahee jira. Kun kan agarsiisu, waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa sadarkaa $1^{ffaa}$ kan sadarkaa 2ffaa caalaa uwwisee kan jiru ta'us ammayyuu % 100 akka wal hin geenye ta'uu dha.

Tilmaamni jiru waraqaan abbaa qabiyyummaa odeeffannoo sirrii ta'e waan qabuuf, falmiis dhimma biraa laficha ilaalchisee ka'u murteessuuf nama dandeessisa kan jedhu dha. Haa ta'u malee, sababoota armaan gadiitti tarraa'an irraan kan ka'e, qabatamaan waraqaan ragaa kaayyoo barbaadameef akkaataa yaadameen milkeesseera jechuuf hin danda'amu.

Tokkoffaa, ragaan bu'uuraa amanamaa haalli itti hin taane ni jira. Lafti yeroo safaramu ragaa sassaabee kan dhiyeessu hojjettoota misooma ganda irra jirani dha. Gariin hojjettoota kanneenii osuma waan dirree jiru qabatamatti hin qulqulleeffatiin waajjiruma keessa taa'anii odeeffannoo lafaa (kan eenyuu akka ta'e, bal'ina isaa, daangessitootaafi sadarkaa) guutuun waajjira lafaa aanaatiif yeroo dabarsan ni jira; warri aanaas sanuma irratti hundaa'uun galmee haadhoo qopheessuun waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa kennu.[552]

Lammaffaa, iddoo baay'eetti sirni qabiinsa ragaa lafaa maanuwaalii waan ta'eef, itti fayyadamuuf dhaqqabamaa miti; haala naamusawaa hin taaneen daataa jijjiiruunis (cooking data)

[552]Marii garee hooggantootaafi ogeessota Bulchiinsaafi I/Fayyadama Lafa Baadiyyaa Godina Sh/Kaabaa waliin 13/2 /2013 gaggeeffame

ni danda'ama.[553] Fakkeenyaaf, qabiyyee tokkicha namoota lamaaf kennuu ykn qabiyyee bittaa fi gurgurtaan seeraan ala argatame seera qabeessa fakkeessuun galmeessuuf haala mijataa uuma.[554]

Inni biraa, galmeessuun lafaa tasuma bakka hin dhaqqabne ni jira. Fakkeenyaaf, bakkeewwan daataan qorannoo kanaa sassaabame keessaa aanaa Gumbii Bordoddeetti[555] ragaan lafaa maanuwaaliinis ta'e, koompuuteraan tasumaa qabamee hin jiru; waraqaan ragaa sadarkaa tokkoffaas ta'e, lammaffaa kennames hin jiru.[556] Kun ammoo komii fi walitti bu'insa, keessattuu gama daangaa walitti darbuun ka'u dhagahuun fala kennuu keessatti rakkoo uumaa jira.[557]

Ragaan lafaa haala hammayyaawaa ta'ee fi qulqullina qabuun jiraachuu dhabuun falmiiwwan lafaa manneen murtiitti dhiyaatan hiikuu irrattis rakkoo uumaa jira. Sababni isaa, adeemsa dhugaa barbaaduu keessatti manneen murtii ragaa namaa caalaa ragaa sanadaaf ulfaatina kennuun murtii kennaa jira. Keessattuu, ragaawwan barreeffamaa waajjiraalee bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa irraa dhiyaataniif ulfaatinni kennamu ol'aanaa dha. Innumaayyuu, falmii lafaa kan murteessaa jiru mana murtii osoo hin taane waajjiraalee bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaadha jedhamaa akka jiru afgaaffii fi marii garee gaggeesine irraa hubachuun danda'ameera.[558]Waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa lafaas qaamuma kanaa ti. Haa ta'u malee, manneen murtii ragaa barreeffamaa guutuu fi sirrii akka ta'etti fudhachuun gudunfaa dogoggoraa irra nama geessuu akka danda'u hubatanii jiru.

Fakkeenyaaf, dhimma falmii daangaa lafaa tokko irratti[559] hubannoon gam-lachuun jiru mul'ateera. Dhimmichi *Mana Murtii Aanaa Kuyyuutti kan dhiyaate yoo ta'u, himataan (ob. Geetaachoo Warquu) himatamtuun (Ad. Shaashituu Tafarraa) qabiyyee koo daangaa darbitee waan qabatteef, akka gadi naaf lakkistu jechuun himateera. Himatamtuun deebii kenniteen yeroo gaa'ila keenya diignetti manni murtii ragaa bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa irratti hundaa'ee gahee koo naa kenne malee daangaa hin darbine jetteetti. Manni Murtii Aanaa falmii*

---

[553] Marii Garee, Akkuma 552ffaa.
[554]Marii Garee Hooggantootaa fi Ogeessota Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa GANF waliin gaafa 13/2/2013 gaggeeffame
[555] Aanaan Gumbii Bordoddee aanaalee Godina Harargee Lixaa 17 keessaa ishee tokko yoo taatu. Aanaa Mi'eessuu jala turtee dhiyeenya kan of dandeesse dha.
[556] Ob. Jamaal Mohaammad, A/Adeemsa Hojii Komii fi Iyyannoo Uummataa Aanaa G/Bordoddee, 30/2/2013
[557] Ob. Jamaal Mohaammad, Akkuma 556ffaa
[558]Afgaaffii Ob. Oliyaad Siyyum, Olitti yaadannoo lak. 321;Mariiwwan garee Abbootii Seeraa MMO Godina Harargee Lixaa fi Waajjira Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Aanaa Alaltuu.
[559] Shaashituu Tafarraa (Ol'iyyattuu) fi Geetaachoo Warquu (D/Kennituu), MMO Godina Shawaa Kaabaa, Lak.Gal. 77597

*bitaa fi mirgaa erga gaggeessee booda, himataaf murteesseera.* Himatamtuun jalaa ol'iyyattuun ammaa murtii kana komachuun kan ol'iyyatte yoo ta'u, ijoon komiis *manni murtii jalaa ragaa namaa ibsa ragaa keessatti ibsadhee bakkan jirutti ragaa barreeffamaa qofa irratti hundaa'uun murtiin kenne sirrii miti;qaamni akka safaruuf ergame dhiibbaa narraan ga'eera waan ta'eef murtiin jalaa akka nuuf haqamu*kan jedhu dha.

Manni Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Kaabaa dhimmicha ol'iyyannoon kan ilaale yoo ta'u ijoo dubbii, *manni murtii jalaa ragaa namaa bitaafi mirga dhagahuuf erga ajajee booda gabaasa waajjira bulchiinsa gandaa irraa dhiyaate qofaan murtii kennuun isaa sirrii moo sirrii miti?* kan jedhu qabatee qorachuun xiinxala itti aanu gaggeesseera:

*Himannaa dhiyaate himatamaan yoo amane, bu'uura SDFHH kwt.242'tiin murtii kenna; himatamaan kan haale yoo ta'e,m/murtii bu'uura sdfhh kwt246'tiin ijoo dubbii seeraafi ijoo firii dubbii murtii haqaa kennuuf gargaaru qabachuu qaba. Ijoo dubbii qabame immoo ragaa namaafi barreeffamaa rogummaa qabuun qulqulleessuuti irraa eegama. Himatamtuun daangaa kan hin dabarre ta'uu ragaan namaa naaf beeka jechaa osoo jirtuu osoo hin dhagahiin bira darbuun sirrii miti. W/B/I/F/L/B, Ofisarri seeraafi Bulchaa Gandaa waliin iddoo irra ga'anii himatamtuun daangaa darbitee jirti jedhamuun gabaasa dhiyaate <u>ragaa rogummaa qabuufi isa dhumaati jedhanii fudhachuun dogoggora</u> jechuun murtii Manni Murtii Aanaa Kuyyuu kenne bu'uura sdfhh kwt.348(1)'tiin haquun ragaa bitaafi mirga erga dhagahee booda murtii itti fakkaate haa kennu* jechuun bu'uura sdfhh kwt.343(1) ajajeera.

Xiinxala gaggeeffame kana irraa wanti hubatamu, manni murtii aanaa ragaa namaa dhagahuuf erga beellamee booda of duubatti dhiisuun kan barreeffamaa qofa irratti hundaa'ee murteessuu dha. Manni Murtii Ol'aanaa garuu kun sirrii akka hin taane ibseera. Hubannoon Mana Murtii Ol'aanaa sirrii dha. Sababni isaa, ragaan barreeffamaa dhiyaate, jechuunis gabaasi qindoomina W/B/I/F/L/B, Ofisara Seeraafi Bulchaa Gandaan dhiyaate ragaa dhugaafi isa dhumaa akka ta'etti fudhachuun hin danda'amu. Kan waraqaa ragaa abbaa qabiyyee lafaas akkasuma. Sababni isaa, daataan bu'uuraa waraqicha kennisiisu ofiinuu rakkoo olitti ibsame (ogeessi waajjiruma taa'ee guutuu ykn ammoo ta'e jedhamee waliigaluun dhugaa jallisuun gabaasuu danda'u) qabaachuu mala waan ta'eefi. Rakkoon akkasii kun waraqa ragaa gulantaa tokkoffaa qofa osoo hin taane, gulantaa lammaffaa irrattis kan mul'atu ta'uu marii garee WBIFLB waliin gaggeessine irraa

hubachuun danda’ameera. Fakkeenyaaf, Aanaa Alaltuutti waraqaa ragaa gulantaa lammaffaa ilaalchisee hooggantoonniifi hojjettonni WBILB Aanichaa yaada armaan gadii qabu:

> *Waraqaan ragaa sadarkaa lammaffaa kan gaggeeffame dhaabbati LIFT jedhamuuni. Dhaabbatichi odeeffannoo kan sassaabe hojjetaa yeroo (hojjetaa kontiraataa) qacareeti. Yeroo hojichi itti gaggeeffames ganna keessa ture. Kanaaf, waajjirri lafaa sadarkaan jiru hojicha haala guutuu ta’een iddoo hundatti hordofaa tureera jechuuf hin danda’amu. Agarsiiftuun kanaa kenninsa kaartaa keessatti koodii tokkicha namoota lamaaf haalli itti kenname jiraachuu isaati. Qonnaan bulaanis kana deddeebi’ee gaafachaa kan jiru ta’uu dha. Kanaaf, waraqaan ragaa gulantaa lammaffaanis ragaa qulqulluu dha jechuuf hin danda’amu.*

Waan ta’eefuu, sirni qabinsa waraqaa ragaa sadarkaa lammaffaa sirna irratti hundaa’ee hammayyaawaa ta’us (system based), akkaataa ragaan funaanamee sirnatti gale hanqina waan qabuuf ragaa guutuufi sirrii ta’edha jedhanii fudhachuun rakkisaa akka ta’e hubachuun ni danda’ama.

Kanuma wajjiin dhimmi ilaalamuu qabu yaada kana ilaalchisee uwwisi seeraa jiru maal fakkaata kan jedhu dha.Seera Hariiroo Hawaasaa keessatti, akka qajeeltootti, qabeenyaa hin sochoone ilaalchisee namni waraqaan ragaa kennameef akka nama abbaa qabeenyaa sirrii ta’eetti ilaalama.[560]Haa ta’u malee, waraqaan ragaa kun akkaataa seeraan kan hin kennamne yoo ta’e ykn qaama kennuuf aangoo hin qabneen kan kenname yoo ta’e,ykn ulaagaa barbaachisu guuttatee ykn himataaf ragaa ta’uu bifa danda’uun kan hin kennamne yoo ta’eykn himataan qabeenyaa hin sochoone kan argate erga waraqaan ragaa kennamee booda ta’uun isaa yoo hubatame waraqaan ragaa sun gatii dhabuu akka danda’u tumameera.[561]Garaagarummaa mirgi abbaa qabiyyummaafi mirgi abbaa qabeenyummaa qabu akkuma jirutti ta’ee, waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa mirkaneessuuf qabeenyaa hin sochoone irratti kennamu abbaa

[560] Seera Hariiroo Hawaasaa, Kwt. 1195: The issue by administrative authorities of a title deed to the effect that a given immovable belongs to a given person shall raise a presumption that such person is the owner of such immovable.

[561]Seera Hariiroo Hawaasaa, Kwt.1196: *Proof to the contrary.*
The presumption laid down in Art.1195 shall be rebutted where it is shown that:
(a) the title deed was not issued in accordance with the law or was issued by an authority having no jurisdiction
(b) the title deed was issued on the basis of an invalid act; or
(c) the plaintiff acquired the ownership of the immovable after the day on which the title deed was issued

qabeenyummaa mirkaneessuuf (hubachiisuuf) kan dhuma (conclusive) kan hin taane ta'uuti hubatama. Hima biraatiin, waraqaan ragaa (title deed) sun ragaa sirrii akka hin taane carraan hubachiisuu ni jira jechuu dha.

Gama biraatiin,LabsiinBulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Amaaraa waraqaan ragaaabbaaqabiyyummaamirga abbaa qabiyyummaa lafaa mirkaneessuuf akka ragaatti kan gargaaruufi bakka ragaan akkasii jirutti abbootiin seeraa ragaa sanadaafis ta'e, ragaa namaatiif dursa kennee ilaaluu akka hin qabne tumeera.[562]Haa ta'umalee,ragaa barreeffamaa cimaa ta'een ykn ragaa caalmaatti amansiisuu danda'uun tilmaamicha fashaleessuun akka danda'amu labsichi tumeera.[563] Labsiis ta'e, dambiinbulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa Oromiyaa waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa sadarkaakamitti mirkaneessuu akka qabu wanta tumu hin qabu. Haa ta'u malee, waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa lafaas ta'e waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa qabeenyaa hin sochoonee hubachiisuuf dhiyaatu kan dhumaa (conclusive) akka hin taane ni hubatama.

Qabatamattis,KoomishiniinHiikkaa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa dhimma tokko irratti[564] haalakanaan hiikkaa heeraa kenneera. Ka'umsi dhimma kanaaa iyyataan ammaa lafa margaa qarxii 8 mootummaan naaf kenname qaama aangoo qaburraayis ragaa abbaa qabiyyummaa itti baafadhee gibira mootummaas itti kanfalaafi itti fayyadamaa ture,waajjirri waamamaa ammaa sababa gahaa malee ragaa abbaa qabiyyummaa koos haqee akka itti hin fayyadamnes waan na dhorkeef gochi seeraan alaa narratti raawwatame maqfamee mirgi abbaa qabiyyummaa kootis akka naaf kabajamu jechuudhaan Mana Murtii Aanaa Adaamii Tulluutti himanni dhiyaateera.

Himatamaan, Waajjira Lafaafi Eegumsa Naannoo Aanaa Adaamii Tulluu yeroo sanaa deebii kenneen bu'uura Labsii Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Lak.130/1999 fi dambii labsicha hojiirra oolchuuf bahe lak.151/2005'tiin waajjirichi waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa lafaa kennuu qofa otoo hin taane kan seeraan ala kenname yoo jiraates haquufis aangoo qabuun gocha raawwatame waan ta'eef dhimma mana murtiitiin ilaalamu miti; kanaaf himataanis

[562] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, Kwt.35 (2)
[563] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, Kwt. 35 (5)
[564] Obbo Ammayyaa Huseen (Iyyataa) fi Waajjira Lafaafi Eegumsa Naannoo Aanaa Adaamii Tulluu (Waamamaa), Lak. Gal. Dhimma KHHMNO Lak.0001, Gaafa 27/10/2011 murtaa'e.

himachuu,manni murtiis ofitti fuudhee ilaaluuf dhimma aangoo itti hin qabne waan ta'eef,himatichi kufaa naaf haa ta'u jechuun mormii sadarkaa duraa dhiyeesseera.

Manni murtichaas: lafa galmeessuu, qiyyaasuu,hojii kaadastaraa gaggeessuu, mirga itti fayyadamuu nama qabuuf waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa kennuu, ragaa seeraan alaa kenname deebisanii sirreessuu fi haquun aangoo seeraan Biiroo Lafaafi Eegumsa Naannoo Oromiyaafi caasaalee isaa sadarkaan jiraniif kennaman akka ta'e;adeemsa aangoo kana hojiirra oolchuu keessatti hojiin seeraan ala ta'e narratti raawwatameera gareen jedhu yoo jiraate komii isaa caasaa Biirichaa sadarkaan jiranitti dhiyeeffachuu qaba malee aangoo seeraan isaaf kenname qaama raawwate tokkorratti mana murtiitti himata dhiyeessuun sirrii miti jechuun akkaataa SDFHH kwt.244(2)(a)'tti manni murtii dhimmicha ilaaluudhaaf aangoo hin qabu jechuudhaan mormii sadarkaa fudhachuun himaticha kufaa taasisuun galmee cufeera.

Manni Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Bahaafi Dhaddachi Ijibbaataa MMWO's murtii jalaa cimsuun ol'iyyata dhiyaateef kufaa waan taasisaniif komiin Waajjira Komishinii Hiiktuu Heeraa kanaafdhiyaateera.

Ijoon komii iyyataas,*Manni Murtii akka qaama mootummaatti mirga lammiilee irratti miidhaa qaamota mootummaa birootiin qaqqabu ilaalchisee komii lammiileen dhiyeeffatan kamiyyuu ofitti fuudhee ilaaluuf otoo aangoo qabuu;* W*aajjirri himatamaa aangoo seeraan isaaf kenname akkaataa seera cabseefi miidhaa narratti qaqqabsiiseen kan raawwate waan ta'eef naaf haa sirraa'u jedhee kan ani iyyadhe, akka waan ani Waajjirichi hojii seeraan isa hin ilaallanne narratti raawwate jedhee iyyadheetti ijoo komii kootiin alatti bahuun waajjirichi hojii seeraan isaaf kenname hojjate; manni murtiis kana ilaaluuf aangoo hin qabu jedhamuun murtiin kenname kaayyoo Heeraa irraa kan maqeefi mirga lammiileen komii isaanii qaama ilaalutti, keessattuu qaama abbaa seerummaatti, dhiyeeffachuun mirga haqa argachuu Heeraan gonfatan kan daangesseefi mirgi koos akka sarbametti akka hafu murtii taasise waan ta'eef hiikkaan sirrii ta'e itti naaf haa kennamu* kan jedhu dha.

Koomishiniin Hiikkaa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaas, *murtiin mana murtiin kennameefi komiin bu'uuraa iyyataa dhuguma kan wal hin simneefi mirga Heeraan iyyataan qabu kan dhiphiseedhaa?* ijoo jedhu qabachuun qajeeltoo Heera Mootummaa qoodama aangoo qaamota mootummaa irratti hundaa'uun xiinxalee murteesseera. Haaluma kanaan, gaaffiin

iyyataa waajjirri himatamaa waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa kennuufis ta'e haquuf aangoo hin qabu kan jedhu osoo hin taane karaa seeraan alaatiin waraqaa ragaa naaf kennamee ture na jalaa haqe kan jedhu ta'uu hubachuun bu'uura qoodama aangoo qaamolee mootummaatiin manneen murtii yommuu qaamoleen mootummaa aangoo seeraan isaaniif kenname keessaa bahuun (ultra virus) ykn aangoo seeraan isaaniif kennametti garmalee fayyadamuun (abuse of power) qofa osoo hin taane aangoofi qoodama hojii seera kabachiisuu isaaniif kenname irraa baqachuun waan isaan irraa eegamu bahuu dhabuudhaanis mirgi lammiilee akka sarbametti akka hafu yeroon itti taasifamu hedduu akka tahe; gochi waan irraa eegamu raawwachuu irraa of qusachuu akkasii mirga lammiilee kabachiisuu keessatti gahee ol'aanaa kan qabu mana murtii ta'uufi manni murtii dhimmicha ilaaluuf aangoo hin qabu jechuun murtiin kennan sirrii miti jechuun akkaataa gaaffii bu'uuraa iyyataa ammaatiin dhiyaateefiin sirrummaa gocha waajjirichaan raawwatame keessa deebi'ee ilaalee murtii seera qabeessa haa kennu jechuun akkaataa Labsii Komishinii Hiikaa Heeraa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuu fi Aangoofi Hojimaatasaa Murteessuuf Bahe Lak.167/2003 kwt. 23'tiinsagalee guutuun murteesseera.Murtiin Komishinichaasdandeettiin hubachiisuu waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa qabeenyaa hin sochoonee ykn abbaa qabiyyummaa lafaa isa dhumaa (conclusive) akka hin taaneefi fashalaa'uu akka danda'uagarsiisa. Kun ammoo yaada tumaalee labsii bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa naannoo Amaaraafi Seera Hariiroo Hawaasaa olitti ilaalle waliin akka walsimu hubachuun ni danda'ama.

Walumaagalatti, ragaan lafaa odeeffannoo sirrii ta'e bu'uureffatee funaaname galmaa'ee haala hammayyaawaa ta'een qabamee hojiirra akka oolu taasisuufi dandeettii hubachiisuu waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaas akkaataa olitti ibsameen hubachuun itti fayyadamuun hojii dabalataafi xiyyeeffannoo guddaa barbaadu akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

### 3.3.2.3.Qindoominni Cimaa Qaamolee Rogummaa Qabanii Dhibuu

Lafti baadiyyaa kallattiidhaanis ta'e al-kallattiidhaan qaamolee mootummaa hedduu wajjin hidhata qaba. Fakkeenyaaf, sadarkaa biirootti yoo ilaalle, kallattiidhaan lafa kan bulchu Biiroo Bulchiinsaa fi Fayyadama Lafa Baadiyyaa Oromiyaati. Haa ta'u malee, Biiroleen ykn qaamoleen mootummaa biroonis aangoo fi hojiin isaanii lafa wajjin wal qabata: Koomishinii Investmentii, Dhaabbata Bosonaa, Biiroo Eegumsa Naannoo fi Jijjiirama Qilleensaa, Biiroo Qonnaa, Biiroo Albuudaa, kkf. Qaamoleen mootummaa kun aangoo fi hojiin isaanii bakka walfakkaatus

jiraachuu waan danda'uuf, akkasumas hojii inni tokko hojjetu kan inni tokko hojjetu irratti waan hundaa'uuf, qindoominni cimaa fi sirnaawaa ta'e, kan seera bu'uura godhate hin jiru taanaan bulchiinsaa fi fayyadama lafaas ta'e kanneen biroo irratti milkaa'uun hin danda'amu. Qaawwiguddaan uumamee jiru inni tokko rakkoo qindoomina qaamolee mootummaa hidhata qaban kanaa wajjin wal qabateeti.

Misoomni adda addaa, investimentiin, ijaarsaa fi kkf lafa irratti yeroo gaggeeffamu dhimmoonni yaada keessa galuu qaban hedduu dha. Fakkeenyaaf, fayyadama lafaa fulla'aa ta'e (dhaloota itti aanuufis fayyaduu danda'u) (sustainable land use), eegumsa naannoo, bosonaa, bineensota (manaa fi bosonaa), sirna ikooloojii, akkasumas bu'uuraalee misoomaa kan akka daandii kkf xiyyeeffannoo galchanii yoo ilaalan malee dhimmoota kana dagachuudhaan lafti baadiyyaa kan fayyadamu yoo ta'e faayidaa isaa irra miidhaan inni geessisu cimaa ta'uu danda'a. Isaan kana karaa bu'a qabeessaan adeemsisuuf immoo qindoominni qaamolee hidhata qabanii daran murteessaa fi yeroon itti kennamuu hin qabne dha.

Gama biraatiin immoo, gaafatamummaa fayyadamaa fi bulchiinsa lafa baadiyyaa wajjin wal qabatee dhufuu danda'u abbaa itti gochuu fi kallattii qabsiisuuf qaamoleen rogummaa fi aangoo qaban kun qindoomina uumuun barbaachisaa ta'a; dirqamas waan ta'uu qabu dha. Hojiiwwan misoomaa fi investmentiin lafa irratti raawwatamu yeroo badii uumu eenyutu eenyuun gaafatata; akkamittif, yoom gaafata; deeggarsi ykn tumsi qaamoleen kun waliif taasisan maal maal fa'i; akkamiinis bilisummaa (autonomy) keessaa isaaniitti otoo hin bu'iin dhimmoota waloo ta'an irrattis akkamiin waliin hojjechuu danda'u; qajeeltoowwan bu'uuraa qindoomina qaamolee kanaa gaggeessuu danda'an maal maal fa'i; akkamiinis sadarkaa seeraatiin tumamee hojiitti hiikamuu danda'a; kkf irratti sirna qabsiisuu fi akkaataa sirna seera qabate kanaanis hojjechuun lafti baadiyyaa karaa dhaloota dhufu fayyaduu danda'uun, akkasumas miira gaafatamummaa tokko malee laftii fi wantoonni lafa wajjin wal qabatan miidhamaa jiran furmaata ni argata jedhamee amanama.

Akka muuxannootti, qindoomina qaamolee haqaa akka Naannoo keenyaatti diriiree hojiirra jiru sakatta'uu fi madaqsuun barbaachisaa dha. Keessumaayyuu, hanqinootaa fi rakkoolee qindoomina qaamolee haqaa keessatti mul'atan adda baasuun qindoomina qaamolee lafaa fi lafa wajjin wal qabatan kana keessatti akka hinraawwatamne taasisuun illee yaada furmaataati.

### 3.3.2.4. Imaammanni Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Dhibuu

Imaammani uummataa (public policy) dhimma bulchiinsa uummataa irratti murteessaa fi barbaachisaa ta'uu isaa irraa kan ka'e bulchiinsii fi fayyadamni laf baadiyyaa Naannoo keenyaas dhimma kanaa alatti ilaalamu miti. Bulchiinsa fi fayyadama lafa baadiyyaa Naannoo keenyaa irratti imaammanni ifaa fi kurfaa'aan (clear and comprehensive rural land use and administration) dhibuu isaa irraa kan ka'e, akkaatan bulchiinsaa, itti fayyadamaa, waldiddaan qabiyyee lafaa ittiin mana murtiitti dhiyaatee furmaata argatu, akkaataan namoonni, addumatti immoo qonnaan bulaa fi horsiisee bulaan lafa itti ilaalu, kkf yeroo hundaa jechuun karaa danda'amuun rakkoo kan qabuu fi uummata keessatti gaaffii kan kaasaa turee ammas kaasaa jiru dha.

Imaammani bulchiinsaa fi fayyadama lafa baadiyyaa ifaa ta'e dhibuu irraa kan ka'e waa'een argannaa fi dabarsa lafa baadiyyaa karaa dhaaltummaa fi kennaatiin raawwatamu gaaffii guddaa kaasaa tureera. Namoonni maatii isaanii irraa dhalatanii sababa maatii wajjin hin jiraanneef ykn immoo galii biraa sababa qabaniif qabiyyee warra isaanii akka hin dhaalle dhorkamuun gama tokkoon gaaffii heeraa fi seeraa kan kaasu ta'uu, gama biraatiin immoo hangi galii nama kanaa yaada keessa galuu dhabuudhaan bakka tokko tokkotti namoonni hojii mootummaa dhiisanii gara lafa warra isaanii qotuutti deebi'an kan jiran ta'uu karaa adda addaa ni mirkanaa'a. Imaammata daangaa dhaaltummaa qabiyyee lafa baadiyyaa irratti kaa'ame duuba jiru maal akka ta'e ifatti hin beekamu. Dhimmi waliigaltee kennaa wajjin wal qabatus kanuma wajjin wal fakkaata.

Waldiddaa qabiyyee lafa baadiyyaa mana murtiitti dhiyaatu ilaalchisees, keessumaayyuu darbiinsa yeroo wajjin wal qabatee murtiin manneen murtii Naannichaatiin kennamu walfaakatinsa kan hin qabne ta'uu, manuma murtii tokko keessatti (fakkeenyaaf, dhaddacha ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Oromiyaa) keessatti murtiin wal faallessu kan kennamaa jiru ta'uu, kunis namni karaa seeraan kaa'amee alatti lafa baadiyyaa qabatee argame daangaa yeroo hammamii keessatti abbaa mirgaa akka ta'u, abbaan qabiyyummaa lafa baadiyyaa daangaa yerootiin daanga'uu fi dhabuu isaa, akkasumas, karaa faallaa seeraa ta'een lafa argame irratti qabeenyi horatame (fakkeenyaaf, maneen gurguddaan ijaaraman, biqiltuuwwan dhaabbiin akka bunaa, caatii, avokaadoo, kkf dhaabaman) akkam akka ta'u irratti gama imaammataan kallattiin

akka waliigalaatti kaa'ame ykn agarsiifame dhibuu irraa kan ka'e hojmaata keessatti rakkoo guddaa fidaa jira.

Itti dabalees, imaammanni lafa baadiyyaa ifaafi hunda-hammataa ta'e jiraachuu dhabuu isaatiin akkaataan waajjirri lafaa ittiin lafa bulchaa jiru boodatti hafaa ta'uu, teeknolojiidhaan kan hin deeggaramne ta'uu, ragaa qindaa'aan dhibuu, ragaaleen jiranis iftoominaa fi amanamummaa kan qabne ta'uu fi yeroo yerootti abbaa qabiyyee tokko irraa gara abbaa qabiyyee biraatti (sobaan, gowwomsaadhaan, malaammaltummaadhaan kan naanna'u ta'uu), gaggeessummaan bulchiinsa lafaas ulaagaa dandeettii if naamusaan kan hin raawwatamne ta'uu, kkf keessatti kufaa kan argamu dha.

Qonnaan bulaan, horsiisee bulaan ykn gamisa horsiisee bulaanis lafa baadiyyaatti yeroo fayyadamu akkaataa dhaloota boruuf darbuu danda'utti otoo hin taane, akkuma argee fi itti fakkaatetti kan fayyadamaa jiru ta'uu, keessumaayyuu naannoo lafa investmentiif oolu keessatti immoo investerri yeroo lafa fayyadamu bu'aa laficha irraa argatuuf malee lafichas ta'e wantoota eegumsa naannoo wajjin wal qabatan (kan akka bineensaa, biqiltuu, qilleensaa, dhala namaaf, kkf eegumsa kan hin taasifamne ta'uu fi gama kanaanis gaafatamni jiru laafaa ta'ee kan argamu dha.

Tumaa heeraa irratti hundaa'uudhaanis yoo ilaalle, lafti hin bitamu, hin gurguramu jedhama malee namni lafa bitee fi gurgure gaafatamummaa akkamii jala gala kan jedhu irratti gama seeraan wanti ifatti kaa'ame kan hin jirre waan ta'eef faallaa heeraa kanaatiin lafti dhoksaatti kan bitamuu fi gurguramu ta'uu kallattii hedduudhaan bira gahameera. Kunis imaammata lafa baadiyyaa keessatti kallattiin yoo kaa'ame malee tumaan heeraa akka waliigalaatti kaa'uu qofaan gahaa hin ta'u. Wanti karaa al-idilee (informal) ta'een lafti kan uummataa fi kan biyyaa ta'ee heera keessatti tumamuun isaa qonnaan bultootaaf eegumsa taasisuufi jedhamee dubbatamu ykn falmamu imaammata keessatti sirriitti lafa hin kaa'amu taanaan oduu ta'ee kan hafuu fi bu'uura ykn deeggarsa immaammataa kan hin qabne ta'a jechuu dha.

Abbaan qabeenyummaa fi abbaan qabiyyummaa lafaa adda adda bahee heeraan kaa'amuun isaa gara imaammataatti jijjiiramee kaa'amuu ykn ibsamuu qaba. Rakkooleen tarreeffaman kun hanqinoota dhibamuu imaammata bulchiinsaa fi fayyadama lafa baadiyyaa ifa ta'e dhabuu irra kan madde yoo ta'u, rakkooleen biroon hedduun ni jiru. Kanaafuu, yeroo osoo itti hin kenniin imaammanni bulchiinsaa fi fayyadama lafa baadiyyaa qaama dhimmi ilaaluun diriirfamuutu irra

jira.[565] Kana ta'uu yoo baate rakkooleen bulchiinsaa fi fayyadama lafa baadiyyaa wajjin wal qabatanii achii dhufan ammas itti fufanii rakkoo ta'anii hafu jechuu dha.

#### 3.3.2.5.Walharkaa Fuudhinsa Lafa Baadiyyaa Pilaaniidhaan Magaalaa Jala Gale Bu'a-qabeessa Ta'uu Dhabuu

Magaalonni giddu-gala guddinaa ta'uu irra darbee, fedhii guddinaafi misoomaa qaban irraa kan ka'e karaa seera qabeessa ta'eefi walhubannoo guutuu qabuun pilaaniidhaan gara gandoota baadiyyaa ollaa isaanii jiranitti babal'achaa deemuun kan hafu miti. Magaalonni Oromiyaas kana irraa adda miti. Lafti baadiyyaa pilaaniidhaan gara magaalaatti dhufa. Haala kana keessatti, magaallii fi baadiyyaan daangaa isaanii adda baasuun wal-harkaa fuudhinsa taasisuu qabu. Kanaafis qajeelfamni wal-harkaa fuudhinsa lafa baadiyyaa pilaaniidhaan gara magaalaatti daangeffame ittiin raawwatamu lak. 2/2011[566] bahee hojiirra akka oolu ta'eera. Qajeelfamni kun koree hojii wal-harkaa fuudhinsa lafa baadiyyaa pilaaniidhaan gara magaalaatti daangeffame raawwatu sadarkaa Naannoo, Godinaafi Aanaatti hundeesseera.

Akka waliigalaatti, adeemsa wal-harkaa fuudhinsaa keessatti hojiiwwan gurguddoo raawwataman ragaa hawaas-dinagdee karaa qulqullina qabuun qindeessuu, sekteroonni dhimmi ilaallatu waa'ee lafa baadiyyaa pilaaniidhaan gara magaalaatti daangeffamu irratti mari'achuu, jiraattota ganda baadiyyaa gara magaalaatti daangeffaman mariisisuun fedhii jiru adda baasuun waliigalteerra ga'uu,jaarsolii biyyaa daangaa lafa baadiyyaa gara magaalaatti daangeffaman keessa jiraatan karaa hirmaachiseen hojii daangessuufi mallattoolee kaa'uu raawwachuu, ragaa bal'ina lafa baadiyyaa daangaa magaalaa jala galee waajjira bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa aanaa irraa fudhachuu, amanamummaa ragaa hawaas-diinagdee mirkaneessuu,pilaanii qopheessuu, komii adeemsa walharkaa fuudhinsaa ilaalchisee ka'uuf Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaaf osoo hin dhiyaatiin dura murtii kennuu fa'i.[567]

Ragaa/sanada wal-harkaa fuudhinsi irratti gaggeeffamu maal fa'aa akka ta'anis qajeelfamichi tarreesseera. Haaluma kanaan,

---

[565] Imaammata akkasii qabaachuun akka barbaachisu iddoo ibsamee tureera. Fakkeenyaaf, barreeffamani bara 1994 barreeffame (የኢትዮጵያ ፌደራላዊ ዴሞክራሲያዊ ሪፐብሊክ መንግስት • የገጠር ልማት ፖሊሲዎች ፣ስትራተጅዎች ና ስልቶች ህዳር 1994 ዓ.ም)

[566]Maqaan guutuu qajeelfama kanaa,Qajeelfama Walharkaa fuudhinsa lafa baadiyyaa pilaaniidhaan gara magaalaatti daangeffame ittiin raawwachiisuuf bahe lak.01/2011 fooyyeessuuf qajeelfama bahe lak. 02/2011 dha (Ammaan booda, 'qajeelfama walharkaa fuudhinsa lafaa' jedhamee ibsama).

[567]Qajeelfama Walharkaa Fuudhinsa Lafaa, Kwt.7

a) *Baay'ina abbaa/haadha warraa lafa baadiyyaa pilaaniidhaan gara magaalaatti daangeffame keessa jiraatan, maatii isaanii waliin kan ibsu;*
b) *Ragaa baay'ina mana ijaarsa seeraafi seeraan alaa ijaaramee jiru gosaan ibsu;*
c) *Dhaabbilee mootummaa lafa baadiyyaa gara magaalaatti daangeffame keessatti argaman sektera sekteraan adda baasee kan ibsu;*
d) *Dhaabbilee miti-mootummaa lafa baadiyyaa gara magaalaatti daangeffame keessatti argaman kan ibsu;*
e) *Pirojektoota ganda baadiyyaa gara magaalaatti daangeffame keessatti argaman kan ibsu;*
f) *Hojjettoota mootummaa ganda baadiyyaa gara magaalaatti daangeffame keessatti argaman kan ibsu;*
g) *Daangaa gandichaa bakka mallattoon daangessuu kaa'ame kan ibsu;*
h) *Qabeenya lafaafi lafa wajjiin walqabate lafa baadiyyaa pilaaniidhaan gara magaalaatti daangeffame keessatti argamu kan ibsu;*
i) *Qabeenya beeyiladaa gosa adda addaa qonnaan bulaan gara magaalaatti daanga'ee qabu kan ibsu;*
j) *Ragaa bal'ina lafa baadiyyaa pilaaniidhaan gara magaalaatti daangeffame kan ibsu;*
k) *Lafa tajaajila hawaasummaa ooluu kan ibsu dha.*[568]

Kana irraa kan hubatamu, ragaan walharkaa fuudhinsaa haala hawaas-dinagdee jiru kan ibsuu danda'uufi guutuudha jechuundanda'amu dha.Kun ammoo falmiiwwan mana murtiitti dhiyaatan hiikuufis ta'e murtiiwwan bulchiinsaa kanneen akka haala itti fayyadama lafaa murteessuufkan gargaaru waan ta'eef barbaachisaa dha. Hojiiwwan kunniin irra jireessaan koreen kan raawwatamani dha. Fakkeenyaaf, koreen ol'aanaa sadarkaa naannootti jiru miseensota jaha[569] irraa kan ijaarame ta'ee gaheewwan armaan gadii qaba:

i. *Koree teekinikaa hojii ragaa bu'uura waliigalaa qindeessuufi qabatamummaa isaa mirkaneessu ni moggaasa*

---

[568] Qajeelfama Walharkaa Fuudhinsa Lafaa, Kwt. 11.
[569] Isaanis: 1) Biiroo Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafaa Oromiyaa (walitti qabaa)
2) Biiroo Misooma Magaalaafi Manneenii Oromiyaa (barreessaa)
3) Inistiitiyuutii Pilaanii Magaalota Oromiyaa ( miseensa)
4) Biiroo Maallaqaafi Walta'insa Dinagdee Oromiyaa ( miseensa)
5) Biiroo Qonnaafi Qabeenya Uumamaa Oromiyaa (miseensa)
6) Ejensii Dhimma Hawaasa Misoomaaf Kaafamanii Oromiyaa (miseensa); *Walharkaa fuudhinsa lafa baadiyyaa pilaaniidhaan gara magaalaatti daangeffame ittiin raawwachiisuuf bahe lak.01/2011,kwt.8 (1).*

ii. *Ol'aantummaan hojii walharkaa fuudhinsa lafa baadiyyaafi hojiirra oolmaa isaa ni deeggera,ni gamaaggama,akkaataa barbaadameen raawwatamuu isaas ni hordofa;*

iii. *Qorannoofi raawwii hojiirra oolmaa wal-harkaa fuudhinsa lafa baadiyyaa pilaaniidhaan gara magaalaatti daangeffame raawwachiisuuf baajataafi loojistikii barbaachisu ni murteessa*

iv. *Ragaafi gaaffii wal-harkaa fuudhinsa lafa baadiyyaa bulchiinsa godinaa ykn magaalaa irraa dhiyaate irratti hundaa'uun yaada murtoo waliin Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaaf dhiyeessisuun ni mirkaaneessisa*

v. *Akkaataa murtoo Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin walharkaa fuudhinsi lafa baadiyyaa sanada barreeffamaatiin akka raawwatamu ni taasisa.*

vi. *Sochii wal-harkaa fuudhinsa lafa baadiyyaa pilaaniidhaan gara magaalaatti daangeffame raawwachiisuu keessatti komiin yoo dhiyaate dhimmichi Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaaf osoo hin dhiyaatin dura Biiroon Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Oromiyaa qaama dhimmi ilaalu waliin furmaatni akka itti kennamu taasisuu dha*. [570]

Adeemsi walharkaa fuudhinsaa kun haaldureewwan qajeelfamichaan taa'e erga xumuramee booda, hanga ji'a jahaatti xumuramuu akka qabus qajeelfamichi tumeera.[571] Haa ta'u malee, yeroo jedhame kana keessatti walharkaa fuudhinsi taasifamuu yoo baate itti gaafatamummaa attamii akka hordofsiisu hin tumamne.[572] Haalli qabatamaa Oromiyaa keessa jiru gama kanaan rakkoo qaba. Hundaa ol, qajeelfama dhimma kana ilaalchisee bahe akkaataa barbaadameen hojiirra oolchuu dadhabuuti mul'ata. Bulchiinsi Aanaa fi Bulchiinsi Magaalaa lafa wal-harkaa fuudhuuf fedhii hin qaban. Sababni isaa, bulchiinsi aanaa laficha yoo gadhiise qabeenyi guddaan akka harkaa fudhatameetti yaada; bulchiinsi magaalaa ammoo bakka gochoonni seeraan alaa (fakkeenyaaf, ijaarsi seeraan alaa) keessatti baay'atee waan ta'eef, bu'uuraalee misoomaa hedduu diriirsuu na gaafata jedhee yaadda'a.[573]Inistiitiyuutiin Pilaanii Magaalotaas uummata waan hin hirmaachifneef, wal-harkaa fuudhinsa kanaaf deeggersa hin godhu. Fakkeenyaaf, Godina Addaa Naannawaa Finfinnee, Magaalaa Sulultaatti gandi tokko guutuun magaalaa jala

---

[570]*Qajeelfama Walharkaa Fuudhinsa Lafaa, Kwt.8 (2); Koreewwan sadarkaa Godinaafi Aanaatti hundaa'anis bu'uuraan gaheewwan/hojiiwwan walfakkaatoo ta'e akka qaban qajeelfamicha irraa ni hubatama.*

[571]*Qajeelfama Walharkaa Fuudhinsa Lafaa,* Kwt.14

[572] Itti gaafatamummaa asitti ibsuun yaadame kan bulchiinsaa yoo ta'e malee kan yakkaa qajeelfamaan tumama jedhamee hin eegamu.

[573] Marii garee hooggantootaa fi ogeessota Waajjira BILB Godina Addaa Naannawaa Finfinnee, 25/2/2013

hin gallu jechuun mormeera.[574] Kun ammoo mirga qonnaan bultootaa miidhuu bira darbee, gochaawwan seeraan alaa kanneen akka ijaarsa seeraan alaa fi kiraa sassaabdummaa fa'a baba'lisaa jira.

Sababa magaalaa fi baadiyyaa jidduutti walharkaa fuudhinsi dafee hin gaggeeffamneef ijoo falmii ta'uun gara manneen murtii yoo dhufan qabatamatti ni mul'ata. Fakkeenyaaf, dhimma tokko irratti[575] himattoonni, *himatamaan lafa magaalaa Fiichee ganda 01 keessaa qabnu; galii mootummaa itti kaffalaa jirru beenyaa tokko malee mirriitiif kennuun nu ari'uuf jecha jeequmsa nu irratti waan kaaseef jeequmsi nu irraa dhaabbatee baasii fi kisaaraan nuuf haa murtaa'u* jechuun himataniiru. Himatamaan deebii kenneen, *qabiyyeen kan himattootaa miti;bara dargii keessa (1984) master pilanaaniin itti hojjetamee gara daangaa bulchiinsa magaalaa Fiicheetti hammatame. Magaalli galii isaa guddifachuuf jecha kireessaa dhufee himattoota ammaa harka gahe malee kan isaanii miti. Nagaheen gibiraa galii dhiyeeffanne jedhames kiraa lafa qonnaa bulchiinsa magaalaa Fichee gandaa 01 irraa kireeffame dha* jedheera. Manni murtii ijoo dubbii, *Lafti kan eenyuti? Jeequmsi jiramoo hin jiru?* jedhu qabachuun qorateera

Ragaan barreeffamaa Waajjira Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Godina Shawaa Kaabaa irraa dhiyaate kan ibsu, lafichi yeroo dargii magaalaa jalatti hammatamuufi kiraanis kaffalamaa kan ture Ganda 01 Magaalaa Fiicheetti ta'uu dha. Xalayaan Bulchaa Magaalaa Fiichee Ganda 01 himattootaaf barraa'e waliigalteen kiraa lafa qonnaa fi kaloo himattoota waliin jiru addaan cituu agarsiisa.

Duubni dhimma kanaa yoo qoratamu, lafti falmii kaase kun duraan baadiyyaa jala kan ture yommuu ta'u, booda garuu yeroo bulchiinsa mootummaa Dargii Magaalaa Fiichee jala kan gale dha. Magaalaa jala haa galuyyuu malee laficha qabatamaan kan bulchu,bulchiinsa ganda baadiyyaa waan ta'eef, laficha himattootaaf kireesseera. Magaalli ammoo lafichi daangaa isaa jala akka jirutti waan beekuuf,dabarsee kennuuf jedhee gadhiisaa jedha. Yeroo kanatti egaa, himattoonni nuti waggaa hedduu itti fayyadamaa turre; kanaafis nagahee kiraa qonnaa lafa magaalaa akka ragaatti qabna waan ta'eef, hin gadhiifnu jechuun gaaffii jeequmsi nurraa haa dhaabbatuu kan dhiyeessan.

---

[574] Marii garee, Akkuma 573[ffaa].

[575] Ob. Hayiluu Zawudeefaa (N4) (Himattoota) fi Ejensii Misoomaafi Manaajimantii Lafa Magaalaa Bulchiinsa Magaalaa Fiichee (Himatamaa), MMA Giraar Jaarsoo, Lak. Gal. 34919

Lafti falmii kaase magaalaa jala kan gale yeroo Bulchiinsa Mootummaa Dargiitti ture (gara waggoota soddomaa ta'a). Turtii kana keessatti, himattoonni wantota hedduu laficha irratti oomishataniiru; madda jiruu fi jireenyaa isaaniis godhataniiru.Bulchiinsi magaalaa laficha gadhiisaa yeroo jedhu miidhaan isaan irra dhaqqabu salphaa miti.

Dabalataan, lafa baadiyyaa magaalaa jala galchuu jechuun gama mirga abbaa qabiyyeetiin maal jechuu akka ta'e ilaalchisee hubannoon jiru gahaa miti. Hubannoon bal'inaan hawaasa keessas ta'ee qaamolee mootummaa hojicha keessatti qooda fudhatan bira jiru akkuma lafti baadiyyaa magaalaatti daangeffameen abbaan qabiyyee mirgasaa ni dhaba kan jedhu dha. Kun lafti baadiyyaa akkuma daangaa magaalaa jala galeen abbaa qabiyyeef lafti bakka bu'uu ykn beenyaan kaffalamuufii qaba (simultaneous) ilaalcha jedhu irraa madda. Haa ta'u malee, Haa ta'u malee, gochoonni lafa daangessuufi lafa bakka buusuun ykn beenyaa madaalu kaffaluun walfaana(simultaneous) ta'uu dhiisuu mala. Dursa lafa daangessuun beenyaan suuta, suutaan kan kaffalamu ta'a.

Kana jechuun garuu, abbaan qabiyyee mirga qabu ni dhaba jechuu miti. Akkas akka hin taane dambiin liizii lak.182/2008, '*Qonnaan bulaan ykn horsiisee bulaan ykn gamisa horsiisee bulaan lafti isaa gara magaalaatti daangeffame hanga magaalaan beenyaa kaffalee qabiyyee isaa gadi lakkisiisutti mirgi inni qabu itti fufiinsaan akka kabajamuuf mirkaneessi mirga itti fayyadama lafichaa ni kennamaafi'*[576] jechuuneegumsaseeraa taasisee jira.Beenyaan kaffalamuuf akkuma jirutti ta'ee lafa mana jireenyaa sirna kiraatiin argachuuf mirga qaba. Haaluma kanaan,qabiyyee inni gadi lakkise $m^2$ 500 ol yoo ta'e, lafa mana jireenyaa $m^2$500; $m^2$ 500 gadi yoo ta'eefi istaandardiin magaalaa kan hayyamu yoo ta'e hanguma gadi lakkisee; fi istaandardii magaalaa kan hayyamuun gadi yoo ta'e, istaandardii lafa magaalaa isa xiqqaa hayyamamu sirnakiraan ni argata.[577]

Waan ta'eefuu, mirgi beenyaa argachuufi lafa mana jireenyaa magaalaadhaa sirna kiraatiin argachuun abbaa qabiyyeef dambii liiziitiin eegamuu isaa hubachuun ni danda'ama. Haa ta'u malee, kanaan walqabatee dhimmi akka gaaffiitti ka'u, seerichi hanga beenyaan kaffalamutti mirgi abbaa qabiyyee laficha irratti qabu kan itti fufu ta'uufi kanaafis mirkaneessi mirga itti

---

[576] Dambii Lafa Magaalaa Naannoo Oromiyaa Liiziin Bulchuuf Bahe Lak.155/ 2005 Irra Deebiidhaan Fooyyeessuuf Bahe Lak. 182/2008, Kwt 27 (10).
[577] Dambii Lafa Magaalaa Naannoo Oromiyaa Liiziin Bulchuuf Bahe Lak.155/ 2005 Irra Deebiidhaan Fooyyeessuuf Bahe Lak. 182/2008, Kwt. 27(6) (a-c)

fayyadamaa abbaa qabiyyeef ni kennama jechuun yoo tumu, mirkaneessi kennamu kan attamiiti? Kaartaa lafa magaalaadhamoo kan biraati? Kaartaa lafa magaalaa yoo ta'e, osoo magaalli beenyaa kaffalee kan isaa hin godhatiin dura abbaan qabiyyee kaartaan kennameef qaama biraatti akka hin dabarsineef sirni to'annoo diriiree jiru maali? kan jedhu dha. Qabatamatti, magaalonni kaartaa kafa magaalaa kennaa akka jiran hubatameera.[578] Kana gochuun isaanii akkaataa seera liizii olitti ibsameen dogoggora kan jechisiisu miti. Garuu, abbaan qabiyyee kaartaan kennameef laficha qaama biraatti akka hin dabarsine dhorkuu hin danda'u; innumaa, haala mijeessuu danda'a. Kana irraa ka'amee kaartaan kennamu kartaalafaa yeroofii ta'uu akka qabu gama Biiroo Lafaatiin xalayaan(serkulariin) darbus, magaalonni unka sana waan hin qabneef kaartaama lafaa isa sirrii kennaa akka jiran hubatameera. Yaadichi seeraan kan hin deggeramne ta'us, yaaddoo ka'eef fala ta'uu akka danda'u qorattonni ni amanu.

Gabaabumatti,rakkoon ijoo walharkaa fuudhinsa lafa baadiyyaa daangaa magaalaa jala galeen walqabatee mul'atu qajeelfamichaafi dambii liizii lak.182/2008 sirnaan hubachuun hojiirra oolchuu dadhabuudha. Walharkaa fuudhinsa yeroo jedhamu, keessattuu lafa daangessuufi abbaa qabiyyeef beenyaa kaffaluu jidduu hariiroon jiru akkaataa olitti ibsametti sirnaan hin hubatamne. Dabalataan, sirni diriiree jirus guutuu miti. Fakkeenyaaf, qaamoleen qajeelfamicha hojiirra oolchuu keessatti qooda qaban hojiirra oolchuuf fedhii yoo dhaban ykn laafina yoo agarsiisan itti gaafatamummaa attamii akka qaban seeraatti ifatti hin teenye. Hanga beenyaan abbaa qabiyyeef kaffalamutti mirkaneessi mirga itti fayyadamaa (kaartaa lafaa) hojiirra oolmaa keessatti qaawwa uumuu danda'a. Waan ta'eefuu, sirna walharkaa fuudhinsaa diriiree jiru guutuu taasisuu fi hubannoon hojiirra oolchuun rakkoowwan gama kanaan amma mul'achaa jiraniif fala ta'a.

### 3.3.3. Hanqinoota Bulchiinsa Lafaa Gosa Itti Fayyadamaatiin

#### 3.3.3.1. Bulchiinsa Lafa Horsiisee Bulaa

Labsii Bulchiinsaa fi Ittifayyadama lafa baadiyyaa Naannoo Oromiyaa yoo ilaallu, lafa baadiyyaa akkaataa itti fayyadama isaatiin teechisee jira. Kunis lafa qonnaaf ta'u kan qonnaan bulaan ittifayyadmuu, lafa horsisaaf ta'uu kan horsisee bulaan ittifayyadamuu fi lafa lamaanuf ta'u kan gamisa horsisee bulaan ittifayyadamu jedhee kaa'ee jira. Akkaataa hiikaa jechootaa

[578] Miseensota qorannoo kana gaggeessan keessaa ogeessotni Biiroo Lafaa Oromiyaa lama wayita koree waliin qorannicha irratti mari'anu hojimaata jiru yommuu nuuf qoodan kan hubatame dha (14/12/2012).

labsicha keessa kaa'amaniitti,"*Qonnaan bulaa*," jechuun nama mirga itti fayyadama lafa baadiyyaa qabaatee galiidhuma laficharraa argamuun ofiisaafi maatiisaas kan bulchuu jechuudha jedhee hiikee jira.[579]"*Horsiisee bulaa"* jechuun nama naannoo gammoojjiitti lafa margaafi bishaan barbaachaaf bakkaa bakkatti socho'uudhaan beeylada horsiisu, jireenyi isaafi maatiisaa irra caalaan beeyladaafi bu'aa beeyladaarratti hundaa'e jechuun hiikoo itti laatee jira.[580]Gama biraatiin"*Gamisa horsiisee bulaa"* jechuun caalmaadhaan horii horsiisuufi sadarkaa murtaa'een oomisha qonnaarraa argamurratti jireenyi isaa kan hundaa'e jechuudha.[581] Labsichii mirga ittifayadamaa ilaalchisee walduraa duubaan isaa haala walqixa ta'een qonnaan bulaa, horsisee bulaa fi gamisa horsiisee bulaa jedhee keewwattoota adda addaa keessatti osoo walbiraa hin hambsiin mirga walqixaa akka qabanitti ibsee jira.Labsiichi haala kanaan walqixa haa ibsu malee hawaasni horsiisee bulaa akkaataa labsii fi dambii keessatti mirgoota qixa kennamaniin hojii irra oolchuu keessaatti garaagaarummaa guddaan waan jiruuf dhimma xiyyaaffannoo barbaadu ta'ee waan argameef kutaa kana jalatti haala lafa horsiisee bulaa ilaalla.

Akka qorannoon ibsutti, lafti horsiisee bulaa lafa akka biyya keenyaatti qabdu keessaa % 60 ol kan ta'uudha.[582] Akka naannoo keenyaattis lafti horsiisee bulaan qabamee jiru ol'aanadha. Naannoon horsiisee bulaa baay'ina uummataatiin xiqqaa haa ta'an malee lafti bal'aan harka horsiisee bulaa jira jechuudha. Akka naannoo keenyaatti labsiin ykn dambiin lafa horsiisee bulaa bulchuuf bahee hin jiru. Lafti horsiisee bulaa labsii Bulchiinsaa fi ittifayyadama lafa baadiyyaa Naannoo Oromiyaa labsii lak.130/1999 fi dambii labsichaa raawwachisuuf bahee dambii lakk. 151/2005n bulaa jira.kanaaf labsiin Bulchiinsaaf ittifayadama lafa baadiyyaaNaannoo Oromiyaa, lafa baadiyyaa Naannoo Oromiyaa keessatti argamu hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata waan ta'eef, lafti horsiisee bulaa seerotuma kanaan bulaa jira.

Labsichi horsiiseebulaa akkuma hawaasa qonnaan bulaa fi gamisa horsiisee bulaa mirga argannaa lafaa akka qabanii fi lafa argatan kanas mirga ittifayyadamuu akka qaban teechisee jira. Mirgi hawaasni horsiisee bulaa naannichaa qabu kunis mirga ittifayyadama lafa isaanii kireessuu, miiseensa maatii isaanii dhaalchisuu, kennuu, laficha irratti qabeenya horatan

[579] Labsii BIFLBO Lak.130/1999, Kwt. 2(13)
[580] Labsii BIFLBO Lak.130/1999, Kwt. 2 (14)
[581] Labsii BIFLBO Lak 130/199, Kwt. 2(15)
[582] PFE, IIRR and DF., Pastoralism and Land: Land Tenure, Administration and Use in Pastoral Areas of Ethiopia ( 2010).

gurguruu,jijjiiruu fi dabarsuu,mirga akka qaban ifatti kaa’ee jira.[583] Kutaa kana jalatti kan xiinxaluun barbaadame haala bulchiinsaa fi ittifayyadama lafa horsiisee bulaati.[584] Labsichi mirga hawaasa qonnaan bulaaf gamisa horsisee bulaaf laate hunda hawaasa horsisee bulaafis gonfachisee jira. Haata’u malee dhimmoonni labsii fi dambii bulchiinsaf ittifayyadama lafa baadiyyaa keessa taa’an hundii haaluma hawaasa qonnaan bulaa keessa jiruun mirga hawaasa horsisee bulaa eegsisee jira nama hin jechisisu. Keessattuu hawaasni horsiisee bulaa irra-caalaan qabiyyee lafa isaanii kan ittifayyadaman waliin (communal land holding) waan ta’eef, mirgoota ittifayyadama lafaa armaan olitti caqafaman (kireessuun, miiseensa maatii isaanii dhaalchisuu, kennuu, laficha irrattii qabeenyaahoratan gurguruu, jijjiiruu fi dabarsuu) waliin walqabatee akka hawaasa qonnaan bulaa fi gamisa horsisee bulaa ittifayyadamuu hin daandeenye. Keessattuu, hawaasni horisisee bulaa lafa dhuunfaa isaaniitti qaban waraqaa ragaa qabiyyee lafaa hin qaban. Kana malees, haalli jireenya isaani bakkaa bakkatti kan deemanii horii horsiisan waan ta’aniif akka hawaasa qonnaan bulaa fi gamisa horsisee bulaa lafti nama dhunfaaf adda bahee beekamu hin jiru jechuudha.

Haata’u malee, labsichi qabiyyee lafa baadiyyaa kan dhuunfaa, kan waliinii, kan mootummaafi kan mootummaa hin ta'in bal'ina lafaafi itti fayyadama, akkasumas, sadarkaan gabbina qabiyyichaa giddu galeeyyii ragaa sadarkaa sadarkaan ijaaramaniin akka galmaa'an taasifama[585]jedha. Bu’uuruma kanaan bara 1996 kaasee lafti qonnaan bulaa fi gamisa horsisee bulaa safaramee qaamni mirga ittifayyadama lafaa qabu waraqaa ragaa qabiyyee lafa baadiyyaa sadarkaa 1ffaa akka fudhatu ta’ee jira. Yeroo ammaa kana akka Naannoo Oromiyaatti hojiin safartii lafaa haala hammayyaa ta’een safaramee waraqaan ragaa sadarkaa 1ffaa dhawaata dhawaataan gara sadarkaa 2ffaatti jijjiiraamaa jira. Haata’u malee, hawaasni horsiisee bulaa kana irraa fayyadamaa hin tanee. Akkaataa labsichaan wabii mirga abbaa qabiyyummaa isaan gonfachiisuu hin arganne. Kanaaf rakkoo kana furuuf Biiroon Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Lafa Oromiyaa akkaataa lafti horsiisee bulaa itti safaramuu fi galmaa’uu danda’u ilaalchisee qajeelfama of danda’e “qajeelfama Godina Booranaatti dheedaa yaaliif filataman qabiyyee lafa waliinii bulchuu, galmeessuu fi waraqaa ragaa kennuuf bahe lakk.02/2009 raggaasisuun Godina Booranaa dheedha sadii keessatti hojii safarrii fi galmeessa qabiyyee lafa horsiisee bulaa,

583 Labsii BIFLBO Lak.130/1999, Kwt. 9
584 Labsii BIFLBO Lak 130/1999, Kwt 6
585 Labsii BIFLBO Lak.130/1999, Kwt 15

dheedha sadeen filataman; Dirree, Golboo fi Malbe jedhaman yaaliitiif filataman keessatti eeggalamee jira. Haata'u malee godinoota hawaasni horsisee bulaa keessa jiran keessatti hojiin safartii fi galmeessa lafa baadiyyaa haala walfakkaatuun raawwatamaa waan hin jirreef rakkoo guddaa ta'ee jira.

Ta'us muuxannoonGodina Booranaa keessaatti jalqabame babal'achuu akka qabuu fi lafti bal'aan hawaasni horsiisee bulaan qabamee jiru adda bahee safaramee beekamuu akka qabu waan nama gaafachisuu miti. Godina Booranaa dheeda filataman kana keessatti haalli ittifayyadama lafa isaani bal'inaan ibsamee jira. Haalumaa kanaan akkaataa qajeelfama kana keewwata 6 tiin haawasni horsisee bulaa akkaataa aadaa fi muuxannoowwan turaniin, dambii ittiin bulmaataa hawaasichi baasuun akkasumas bu'uura qajeelfama bahe kanaan lafa waliinii hawaasaatti galuu, daangaa yeroo tokko malee mirga ittifayyadama qabu jedhee kaa'ee jira.*Mirgoonni kuniis lafa dheechisuu, lafichi hawaasichaan yoo kireeffamu yookiin waliin misoomu galii irraa argamutti fayyadamuu yookaan mootummaan tajaajila biraatiif lafichaa yoo fudhate beenyaa kaffalamuuf irraa fayyadamaa ta'uu kan danda'an ta'uu* qajeelfamichi ifatti kaa'ee jira.Kana malees dubartoonni miseensa hawaasichaa ta'an mirga ittifayyadamaa dhiira waliin walqixxee ta'e qabu jedhee kaa'eera. Akkaata qajeelfamichaattiiWaraqaa ragaa qabiyyee lafaa waliinii qopheessu kan raawwatamuu[586]:

i. *Biiroon Dheedota yaaliif filataman ni galmeessa, hawaasota abbaa qabiyyeetiif maqaa dheedaatiin waraqaa ragaa qabiyyee lafaa ni kenna.*

ii. *Waraqaan ragaa kan qophaa'u maqaa hawaasa abbaa dheedaa ta'aniin ta'a.*

iii. *Waraqaa ragaa murtii miseensota hawaasichaatiin kopii lamaan (2) ta'ee kan dheedaa sadanii harka abbaa gadaa fi gaheen dheedootaa harkaa abba Dheedaa ta'uu qaba, footoo kopiin isaa halluun ta'ee harkaa abboottii Reeraa hundaa ta'uu qaba.*

iv. *Abbaan gadaa fi abbaan dheedaa yeroo jijjiiraman waraqaa ragaa qabiyyee lafa baadiyyaa worra haaraa filatamanitti dabarsanii kennuu qabu.*

Lafti horsiise bulaa kan waliiniiti jedhamee akkaataa qajeelfamichaan waraqaa raga qabiyyee waliinii kennuun jalqabameera. Garuu lafa waliinii sana irrattis yeroo tokko tokko namootni

---

[586] Qajeelfama Godina Booranaatti Dheedaa Yaaliif Filataman Qabiyyee Lafa Waliinii Bulchuu, Galmeessuu fi Waraqaa Ragaa Kennuuf Bahe Lak.02/2009, Kwt. 24 (1-4)

kooti jedhanii waraqaa abbaa qabiyyummaa warra gandaa waliin ta'anii haalli ittiin waraqaa abbaa qabiyyummaa baafatanii mul'achaa waan jiruuf, waldhabbiin irratti ka'u ni jira.[587]

Horsiise bulaan mirga abbaa qabiyyummaa lafaa mirkaneessu kan hin qabnee fi lafti horsiisee bulaa wanti irratti misoomee jiru hin jiru waan ta'eef, yeroo investimentiif fudhatamu mirga namoota achirrratti horsiisanii jiraatanii miidhuun bal'inaan mul'ata.[588]Seerri lafaa baadiyyaas dhimma horsiise bulaa kana irratti qaawwa waan qabuuf haalli itti mirga beenyaa argachuu isaanii itti mirkaneessanillee hanqina qaba. Abbaan qabiyyuummaa lafa waliin horsiisee bulaa bifa dheedaa jedhuun gareen kennamuu jalqabee jira.

Lafti horsisee bulaa xiyyeeffannoo barbaada, Waantonnii mirga ittifayyadama lafaa baadiyyaa tokko akka hafuu/dhabsisaan/ ykn dhoorkisisaan gochuu danda'an keessaa osoo itti hin fayyadamiin waggaa lamaafi isaa ol yoo ture, fedhii mataa ofiitiin yoo dhiisee fi kunuunsi taasifamuu qabu yoo hafe akka ta'e Labsii BIFLBO Lak/130/1999, kwt 6 (16) ifaatti kaa'ee jira. Horsiisee bulaan lafa isaa waggaa lamaaf osoo itti hin fayyadamiin hafuuf carraan jiru bal'aa waan ta'eef, haala addaan ilaalcha keessa galchuu qaba ture. Sababni isaa, lafti horsiisee bulaa hedduun gammoojjii dha. Waan ta'eefuu, sababa hanqina roobaatin waggaa lamaa fi isaa ol itti fayyadamuu dhiisuu malu. Haata'u malee, labsichaa raawwachisuuf dambiin bahee, dambii lakk.151/2005 kwt 5(3) jalatti namni kamiyyuu lafa roobaan misoomee faayidaa irra ooluu danda'u,sababa gahaa malee waggaa lamaa fi isaa ol osoo itti hin fayyadamin kan tursiise ta'uu isaa Koreen yoo dhiyaatee, Bulchiinsa Gandaatiin mirkanaa'e, Waajjiri dhimmicha qulqulleessee Mana Maree Bulchiinsa Aanaatiif dhiyeessee akka irraa fuudhamu yoo murtaa'e lafa dhabeeyyii ganda keessatti galmaa'aniif kan kennamu ta'a jedha. Gaaleen sababaa gahaa kan jedhu jirachuun isaa gaarii ta'ee, lafaa roobaan misoomu yeroo jedhu lafa qonnaa ilaallatamoo kan horsisee bulaas ni dabalata kan jedhu ifaa waan hin taaneef, horsisee bultoonni iddoodhaa iddootti socho'uun kan jiraatan waan ta'eef tarkanffiin sababaa kanaan fudhatamu haala qabatama hawaasichaa ilaalcha keessa kan galche ta'u qaba.

---

[587]Af-gaaffii Shibbii Unkamee, Hoogganaa Waajjira Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafaa Godina Gujii Lixaa waliin gaafa 2/2/2013 gaggeeffame.
[588]Af-gaafii Gobbuu Turee, Ogeessaa Paakejii Hordoffii fi Deeggarsa Qabeenya Uumamaa Midhaanii Koomishinii Horsiise Bulaa Godina Gujii Lixaa walin gaafa 2/2/2013 gaggeeffame.

#### 3.3.3.2. Bulchiinsa Lafa Bosonaa

Lafti baadiyyaa naannoo keenyatti argamu keessaa 26.6 % ol kan ta'u bosonaan kan uwwifame akka ta'e qorannoon Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo, Bosonaafi Jijjiirama Qilleensaa Oromiyaa bara 2013 gaggeesse ni ibsa.Yeroo ammaa dhimmmota xiyyeeffannoo barbaadan keessaainni ijoon lafa bosonaati. Lafa bosonaa misoomaa fi eegumsa bosonaaf jedhamee kan daangeffamee fi daangeeffamu, uumamaan kan biqile ykn namaan kan misoome mukaa fi haala mukummaa kan of keessaa qaban iddoo itti argaman fi lafa qullaatti hafee tabbummaa guddaa qabu ni dabalata.[589]Kunis seerich keessatti akkuma kaa'ame "*Forest land means any plot of land demarcated or designated for the purpose of forest development and conservation"*[590]jechuu yoo ta'u bosona jechuun garuu lafa bosonaa, qarqara daandii, lafa qonnaa fi dheedichaa keessaa fi naannoo isaa akkasumas naannoo manaa fi paarkiiwwan keessatti uumamaan kan biqilan ykn namaan kan dhaabaman ykn tooftaa birootiin kan misooman mukootaa fi biqiltoota akkasumas kuufama/gurmuu/ lubbu-qabeeyii kanneen biroon kan keessatti argamani jechuudha.[591]Haala Mirga abba qabiyyummaa isaa irratti hunda'uun bosonni bakka 4tti qoodama isaanis;- Bosonaa dhunfaa (Private forest), Bosonaa Hawaasaa (Community forest),Bosona waldaalee (Association forest) fi Bosona Mootummaa (State forest) akka jedhamu Labsiin Misooma, Kunuunsaafi Itti Fayyadama bosona lak.1065/2018. Bosonnii fi hafteen bosonaa eegamuu fi kununsamuu akka qabu dambiin bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa lak.151/2005, kwt. 23 (1-2) ni ibsa.

Akka qorannoon mul'isutti, akka biyyaatti uwwisii bosonaa 40% turee manca'uun gara 3% kan gadii bu'ee yoo ta'u, uwwisni bosonaa yeroo dhiyoo as 15.5% irratti argama. Akka naannoo keenyaatti, uwwisni bosonaa 26.6% gahuus miidhaan bosona irra gahu, keessattuu bosona mootummaa irra dhaqqabaa jiru hin dhaabbanne; lafa bosonaaf jedhamee adda bahee ykn daangeeffame keessatti ijaarsa raawwachuun fi itti fayyadama isaas jijjiruun ni mu'ata. Haa ta'u malee, itti fayyadama lafa bosonaa gara lafa qonnaatti jijjiiruun , ijaarsaa adda addaa keessatti raawwachuun dhorkaa dha, osoo beekuu yookiin beekuu osoo qabuu namni gocha kana raawwatee argamees hidhaa cimaa waggaa lamaa hangaa waggaa afuurii fi qarshii 10,000-40,000tiinis akka adabsisuu labsiin Misomaa,Eegumsaa fi Ittifayyadama Bosonaa Mootummaa Fedeeraalaa kwt. 26 (4) tumee jira.

[589] Qajeelfama Eegumsa Qabeenya Bosonaa Naannoo Oromiyaa Lak 01/2012, Kwt 2(12).
[590] FDRE Forest Development, Conservation and Utilization Proclamation No. 1065/2018 Art. 2(4)
[591] Qajeelfama Eegumsa Qabeenya Bosonaa Naannoo Oromiyaa Lak. 01/2012, Kwt. 2 (1)

Ittifayyadama lafa bosonaa gara lafa qonnaa ykn lafa mana jireenyaa ykn kan birootti jijjiruun dhorkaa akka ta'e tumamee jira.[592] Jijjiirraakana raawwachuufis Biiroo Bulchinsaa fi Ittifayyadama lafaa fi caasaa isaa irraa heyyama argachuu akka qaban seerri ifatti kaa'ee jira. Haata'u malee, seerri bulchiinsaafi ittifayyadama lafa baadiyyaa akkaataa hawaasni bosona eegee irra fayyadamu '*Namni yeroo dheeraaf jireenyi isaa lafa tabbaa, gaara yookiin lafa bosonaa keessa qonnaan yookiin horsiisaan jiraat fi qabeenya dhaabbataa kan akka Bunaa, Shankoraa, Maangoo, Avokaadoo bosona uumamaa keessaa qabu qoratamee haala lafichi itti eegamuu fi kunuunfamu waliigaltee taasisuudhaan waraqaa ragaa qabiyyee lafaa akka argatu ni taasifama. Raawwiin isaa qajeelfama bahuun kan murtaa 'u ta' a'*jechuudhaan kaa'ee jira. Haata'u malee, qajeelfamichi osoo dambiin hin bahiin dursee ba'uun hojiirra kan oole dha.[593]

Bu'uuruma kanaan, akka qajeelfamichaatti akkaataa namoonni lafa bosonaa keessa jiraatan waraqaa ragaa argachuu danda'an kaa'ee jira. Haaluma kanaan mirgi ittifayyadama lafaa isaan qabani fi dirqamni isaan qaban qajeelfamicha kwt. 7 jalatti ibsamee jira:

1. *Qabiyyee isaanii kennuu fi dhaalchisuu ni danda'u*
2. *Qabeenya qabiyichaa irratti horatan gurguruu ni danda'u*
3. *Qabeenya bosona naannoo isaanii jiru kan akka buna uumamaa xirinyii, urgooftuu, geeshoo fikkf misoomsee eeguu fi kunuunsuudhaan ittifayyadamuu ni danda'u*
4. *Mukoota qabiyee isaani irra jiran kunuunsuundhaan ittifayyadamuu ni danda'u*
5. *Beenyaa qabiyyee isaanii irra jiruun gaafachuu ni danda'u*
6. *Ganda jiru keessatti koree bulchiinsaa fi ittifayyadama lafaa ta'ee filachuu fi keessatti filatamuu mirga qabu*

***Dirqama ilaalchisee immoo:***

1. *Madda bishaanii eeguufi kunuunsuu;*
2. *Bosoona naannoo lafa isaani jiru eeguu, kunuunsuu misoomsuu;*
3. *Lolaa roobaan uumamu yeroo of irra dabarsu bosonaa fi lafa ollotaa akka hin balleessineehaala waliin mijeessuuf;*
4. *Mallattoo daangaa irratti dhaabbate eeguu;*

---

[592] Dambii BILBO Lak.151/2005, Kwt 5 (16)

[593] Qaleelfama qabiyyee qonnaan bulaa bosona mootummaa daangeeffame keessa jiru mirga itti fayyadama qonnaan bulaa mirkaneessuuf akkasumas bosona mootummaa irra deebiidhaan daangeessuu ilaalchisee qajeelfama qophaa'e Amajjii, 2000

5. *Bulchiinsa lafa baadiyyaatif ragaa sirrii ta'e kennuu;*
6. *Waraqaa ragaa kennameef sirriitti qabachuu, yeroo gaafatame agarsiisuuf dirqama akka qaban tumee jira.*

Kanaaf, qajeelfamichiakkaataa mirga hawaasa bosona keessa jiraatu itti kabajamuu danda'u ifatti kaa'ee jira.Haata'u malee akkaata qajeelfama kanaatti Naannoo Oromiyaa bakkeewwan hedduu keessatti hawaasni bosona keessa jiraatu qabiyyeen isaa safaramee adda hin bane. Kana malees yeroo amma babal'ifannaa lafa qonnaa irraa kan ka'e daangaa bosonaa kan jedhame bosonni irraa manca'uun lafa qullaatti hanbisuun akkasumas daangaa bosonaa jedhamee adda bahuu dhabuu fi kan adda bahes kabajamuu dhabuun rakkoo hamaa ta'aa jira. Seektaroonni dhimmi kana irratti hojjetan keessa tokkoo Abbaan Taayita Eegumsa Naannoo Bosonaa fi Jiijjirama Qilleensaa Oromiyaa fi Dhaabbata Bosonaa fi Bineensaa Bosonaa Oromiyaati. Akka Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo Bosonaa fi Jijjiirama Qillensaa Oromiyaatti qajeelfama baasuun hanga ta'e lafti bosonaa akkaa hin qabamnee fi bosonni isaas akka hin mancaane gochuu tattaaffiin taasifamaa jirus mancaatii bosonaa dhaabsisuu hin dandeenye.Rakkoleen mancaatii bosonaaf sababa ta'an qajeelfamicha keessaa inni ijoon lafa qonnaa babal'isuunqabeenya bosonaa mancaasuun dha. Bu'aa bosonaa seeraan ala qopheeffamanii gabaaf dhiyaatan kan akka (cilee, Xaawulaa, muka ijaarsaa fi k.k.f.) fi qubattoota seeraan ala bosona keessa qubatan) akka ta'e kaa'ee jira. Akkaataa qajeelfamichaatti namni kamiyyuu seeraan ala bosona mootummaa keessa kan qubate (gale) gad dhiisee akka ba'u badii bosona irraan ga'eefis seeraan akka itti gaafatamu ni taasifama. Akkasumas fuula duraafis akka keessa hin qubanne Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo,Bosonaafi Jijjiirama Qilleensaa hojii barbaachisaa ta'e qaama ilaallatu waliin ni raawwata ykn ni ittisa. Namoonni jijjiirama mootummaa bara 1983 dura bosona mootummaa keessa jiraachaa turan akkaataa labsii fi dambii bulchiinsaa fi itti fayyaadama lafa baadiyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti abbumaan qabiyyee lafaa qabeenya bosona mootummaa irratti haala dhiibbaa hin uumneen ni raawwatama jechuun kaa'ee jira.Kanaaf namoonni bara 1983 as lafa bosonaa keessa qubatanii fi seeraan ala qabatan mirga akka irraa hin qabne ifatti kaa'ee jira.

Akkaataadhuma qajeelfama keessa ta'een afgaaffii fi marii garee qorannoo kanaaf taasifameenis kan nu raggaasisan keessaa ijoon rakkoon yeroo ammaa lafa bosonaa irra gahaa jiru qubattoota

seeraan alaa bosona keessa qubataniidha.[594]Qubattoonni kun naannoolee gara biroo fi godinaalee Oromiyaa biroo irraa godaanuudhaan bosona mootummaa keessatti mana jireenyaa ijaarrachuun bosona ciranii gubuudhaan cilee[595] fi lafa qonnaa babal'ifatu.[596]Warri bal'inaan lafa qabatan dabarsanii gurgurachuudhaan baay'ina qubattootaa baayisuun bosona mootummaa mancaasaa jiru. Kana malees,hawaasni lafa qonna, lafa dheedhichaa fi lafa jallisii daangaa lafa qonnaa isaanii biraa qabaniis daangaa kana darbuun babal'ifannaan lafa qabachuun ni jira.[597]

Lafti bosonaa akkaataa seeraatiin bulaa hin jiru; akkaataa labsichaatti qaamni lafatti fayyadamu kamiyyuu hojiiwwan kan akka bosona ciruu irraa of qusachuuf dirqama qaba[598] jedha. Haata'u malee hojii irra olmaa seerichaa irratti hanqinni ni jira. Kana malees, namni kamiyyuu ittifayyadama lafaa jijjiiruu akka hin qabne seera lafa irratti tumamee ni jira. Akkaataa seerichaatti lafa manaa jedhamee murtaa'ee kennameen alatti namni kamiyyuu lafa faayidaa adda addaa kan akka lafa qonna, dheedichaa, bosonaa fi kan kana fakkaataniif oolu waajjira irraa hayyama osoo hin argatin gara lafa manaatti jijjiiruun dhorkaadha[599] jedhee tumeera. Dabalataaniis hawaasni haftee bosonaa[600] darbee darbee lafa qonnaa naannoo ooruu, lafa dheedichaa, laggeen, madda bishaanii, tulluuwwanii fi kan kana fakkaatan irratti argamu mancaasuudhaan hojii misooma qonna midhaanii irratti geggeessuun dhorkaa[601] akka ta'es kaa'amee jira. Kanaaf akkaataa seeraatin lafa bosonaa bulchuun rakkoo hammaataa ta'ee jira.Bakkeewwan adda addaatti bosonni daangeffame saayit pilaanii hin qabu;' kan qabus daangaan isaa kabajamaa hin jiru.[602]Kanaaf rakkowwan kana furuuf qaamni dhimmi ilaalu qindoominaan hojjechuu qaba.Namni kamiyyuu seeraan ala bosona mootummaa keessa kan qubate (gale) gad dhiisee akka ba'u badii bosona irraan ga'eefis seeraan akka itti gaafatamu taasifamuu qaba. Qaamoleen dhimmi ilaalan (Biiroon Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa, Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo Bosonaa fi Jijjiramaa Qilleensaan, Intarprayzii

---

[594] Afgaaffii Ob. Huseen Jawaaroo, I/Gaafatamaa Waajjira Investimentii Aanaa Leemmoo fi Bilbiloo waliin gaafaa 11/02/2013 gaggeeffame

[595]Afgaaffii Ob. Tashoomaa Gammadaa, Ogeessa Mala Qonnaa Godina Arsii waliin gaafa 11/02/2013 gaggeeffame

[596] Afgaaffii Ob. Ibsaa Daksiisaa, A/Seeraa MMOG Gujii Lixaa waliin gaafa 02/02/2013 gaggeeffame

[597]Afgaaffii Ob. Alamaayyoo Fayyisaa, I/Gaafatamaa Waajjira Bulchiinsaa Aanaa Adaamaa waliin gaggeeffame

[598] Labsii BIFLBO Lak.130/1999, Kwt 19 (3)

[599] Dambii BIFLBO Lak. 151/2005, Kwt 5(16)

[600] Dambii BIFLBO Lak.151/2005, Kwt 2 (12) Lafa haftee Bosonaa jechuun lafa baadiyyaa bosonni uumamaa irraa manca'ee hafe yookiin lafa cittuuwwan bosonni uumamaa irratti argamu jechuu dha.

[601]Labsii BILB kwt fi Dambii BIFLBO Lak.151/2005 kwt 23(1)

[602] Afgaaffii Ob. Radi'eet Biraanuu, D/Garee ATENJQ Aanaa Abbayyaa waliin gaafa 06/02/2013 gaggeeffame

Dhaabbata Bosonaa fi Bineensa Bosonaa) waliin ta’uun hojii hubannoo uumuu cinatti qindominaan waldubbisanii hojjechuun irra jiraata.[603]

#### 3.3.3.3. Bulchiinsa Lafa Investimentii

Investimentii jechuun baasii kaappitaalaa maallaqaan yookiin gosaan yookiin lamaaninuu pirojektii hojii haaraa tokko gaggeessuuf yookiin kan jiru babal’isuuf yookiin ol guddisuuf investariin taasifamu jechuudha.[604] Investimentiin taasifamuu lafa barbaadaa, lafti hojii investimentii kanaaf oola jedhamee adda bahee fi hojii kanaaf oolu lafa investimentii jedhamee waamamaa. Labsiin bulchinsaa fi ittifayyadma lafa baadiyyaa Naannoo oromiyaa lafaa baadiyyaa naanniichaa hundaa keessatti raawwatinsa waan qabuuf dhimmonnii lafa investimentii ilaallaataniis akkaata seera lafaa kanaan kan bulaan ta’u, bu’uurumaa kanaan labsichii, naannoo oromiyaa keessaatti namin lafa investimeentii barbaadee, akkaata seerota investimeentii naannichaa hojiirra jiraniitiin lafa baadiyyaa argachuufi itti fayyadamuu ni danda’u jedhee ifatti kaa’ee jira.[605] Kana jechuun dhimmonnii ulagalee investimeentiin tokkoo guutuu qaban kan ittin bulanii fi hogganamaan akkaata seera investimentitiin yoo ta’u, namin ulaagaa seeraan ta’ee guutee akkaata istandardii investimentichaaf ta’een yeroo hayamamuuf lafa investimentii ni argata jechuudha[606]. Seerota lafa baadiyyaa naannichaa keessaatti laftii tajaajila investimentiif oluu akkataa karooraa ittifayyadama lafaatin dursamee qorannoon akka qophaa’u ifatti ta’ee jira[607], kana malees laftii investimentiif oluu beenyaa kan gaafatu yoo ta’ee akkaataa seeraatin beenyaan dursee qaama mirga ittifayyadamaa qabuuf erga kaffalamee boodaa abbaa qabeenyichaaf waraqaan ragaa qabiyyee lafa baadiyyaa ni kennamaafi.[608]Bu’uruma kanaan.Investreroonni lafa argaatanis kunuunsuu akka qabanii fi [609], bal’inaa lafichaakeessaa yoo xiqqaate dhibbeentaa lama (%2) mukaa naannoon wal fudhatuun uwwisuuf dirqama akka qaban seerichi ni tuma.[610] Kana malees investarrii/Abbaan qabeenyaa mirga ittifayyadama lafa

---

[603]Marii garee Ob. Seefuu Abbabaa, B/B I/G Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo Bosonaaf J/Q/ Aanaa Ciroo N-3 gafaa 1/3/2013 gaggeeffame.
[604] Dambii BIFLBO Lak.208/2012, Kwt. 2 (1).
[605] Labsii BIFLBO Lak.130/1999, Kwt. 12 (1)
[606]Labsii Investimentii Mootummaa Fedeeraalaa( Investment Proclamation) Lakk.1180/2020 kwt 51(1-4)
[607] Dambii BIFLBO Lak. 151/2005, Kwt 6(1)
[608] Dambii BIFLBO Lak.151/2005, Kwt 6 (3)
[609] Labsii BIFLBO Lak.130/1999, Kwt. 12(1
[610] Labsii BIFLBO Lak.130/1999, Kwt. 12 (2

baadiyyaa liiziidhaan ykn kiraadhaan Mootummaa irraa argate mirga itti fayyadamaafi qabeenya laficha irratti horate akka wabiitti qabsiisuu seerri ni heyyamaaf.[611]

Akkataa dambii bulchinsaa investimentii lakk.208/2012 baheen dhimmonni fayyadamumaam hawaasa qonnaa fi horsisee bulaa waantonni ibsaman jiru, kuniis haala Pirojektii Investimentii Keessaa Sheeriin Itti Qabaatamu danda'aan tumee jira, akkaata dambichaatti **;** Seerota birootiin kan tumame akkuma eeggametti ta'ee, Qonnaan Bulaan, Horsiisee Bulaa yookiin Gamisa Horsiisee Bulaan: 1) *qabiyyee lafaa isaa irraa sababa pirojektii investimentiif kan kaafamu yoo ta'e pirojekticha keessaa sheerii qabaachuu ni danda'a; Raawwiin isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a. 2) Sheerii qabaachuuf fedhii qabaatee investarichi kana gochuudhaaf haalli dandeessisu yoo jiraachuu baate, investarichi furmaata diinagdee biroo kaafamtoota pirojekticha irraa fayyadamaa taasisu uumuu qaba*[612] jedhee ifaatti kaa'ee jira

Qorannoo kanaaf af-gaaffi fi marii garee taasisneen rakkoon qabatamaan lafa investimentii keessatti mul'atuu hedduu keessaa warreen ijoon;-

- Lafa investimeenti akkaata karooraa ittifayyadama lafaatin raawwachuu dhabuu, lafa gabbaata tajajilaa qonnaaf horsisaaf ta'u lafa investimentii olchuu[613],lafichi investmentii gosa kamiif ta'a kan jedhu bal'inaan adda bahuu dhabuu,kan qorannoon adda bahee irrattis raawwi irratti hanqinni jiraachu.
- Lafaa investimeentiif keennamuun duraa hawaasaa naannichaa marisisuu dhabuu, hawaasin naannoo investimentii akka irraa hin fayyadamne taasisuu, hawaasaa fi naannoo irratti dhiibbaa maali qaqqabsisuu danda'a kan jedhu irratti sakkata'insii dhiibbaa naannoogadii fageenyaan qoratamu dhabu,[614],investerrii lafaa barbaadu malee hawaasichaa fi naannoof xiyyeeffannoo kennu dhabuu, walitti dhufeenyii hawaasa naannoo waliin qaban lafaa ta'u.
- Qamoole misoomaaf jedhamee akka ka'aan murta'e akkaata seeran irraa jiruunbeenyaa gahaa kaffaluu dhabuu, beenyaa fudhatanii jireenyaa isaani gara fulduraa akka gaggeeffatan deebi'anii fi dhaabbatan taasisuu dhabuun ni mul'ata.[615]

---

[611] Labsii BIFLBO Lak.130/1999, Kwt. 15 (14)
[612] Dambii Bulchiinsa Investimentii MNO Irra deebiidhaan Murteessuuf Bahe Lak.208/ 2012, Kwt. 14 (1-2).
[613] Af-gaaffii Ob.Mohaammad Kadir, I/G deeskii Investimentii Aanaa Yaaballoo waliin gaafa 5/2/2013 gaggeeffame.
[614] Af-gaaffii Ob.Tolasaa Maammuyyee, I/G /A/TENBJQ/ A/Sulultaa waliin gaggeeffame.
[615] Afgaaffii Ob. Kadiir Shubbee, A/Ad. Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Aanaa Abbayyaa waliin gaafa 06/02/2013 gaggeeffame

- Yeroo misomaa gaggeffamuuf lafa fudhatan hawaasa naannichaaf waada adda addaan kan galamuuf yoo ta'u , erga lafa harkaan gahatanii booda waada jedhan raawwachuu dhabu.
- Lafti horsisee bulaa investmentiif erga darbee booda Adeemsaa fi ulaagaa seeraan taa'ee alatti jijjirra raawwachuu nama/qaama 3ffaaf dabarsuu, gurguuruu fkn raawwachu.[616]
- Abbootin qabeenyaa lafa investimentiin fudhatan harka yeroo kennameef keessatti misomaa irratti gaggeessuu dhiisuun, sababa investmentiitiin bosona mancaasuu,cilee hojjechuu[617] , lafa misomaaf fudhatan dalleessanii ka'uuykn akkasumatti techisuun,harka lafa jalaan nama birootif dabarsuu ykn gurguuruu;[618]Lafti dhimma itti fayyadamuu qabuuf itti fayyadamuu dhabuun lafa industrii fi maanufakchering fi qonnaan hamayyaatiif fudhatan qonnaa fi hojii qonnaan bulaan ykn horsisee bulaa hojjetu gadii hojjechuu bu'a hawaasichii fi gaalin mootummaaf galu akka hin argamne taatsisuu.
- Lafa albuudaafaanjiidhan dhoosuun rakkoo dhiibba naannoo fi hawaasa irraan gahuu(lafa qonnaan bulaa awwaraan jalaa balleessuu, mana namaa jalaa caccabsaa ykn akka jalaa babbaqaquu taasisuu,faalama sagalee gudda qaqqaabsisuun namaafi belladoota mana weerarsuun miidhaaf saaxiluu)[619], albuuda isaa qotanii fayyadamuu malee lafichaaf kunuunsii fi eegumsi taasifamu muraa ta'u ( deebisanii misoomsuu)dhabu[620].Fakkenyaaf hanga meetira 4- 80 maashiniin keessa seenee baasu osoo hin guutiin achumatti dhisee bahee jira kun immoo lubbuu namaaf beelladaa irraatti miidhaa fidaa jira.[621]
- Dhimmi hordoffii fi to'annoo lafa investimentii seektaroota adda addaan kan raawwatamu waan ta'eef abba dhabuu, waliin qindomuun seektarri dhimmi ilaalu hojjechuu dhabu[622].

---

[616]Afgaaffii Ob. Roobaa Muxuraa, Itti Aanaa Hoogganaa Waajjira Misooma Beeladaa Aanaa Abbaayyaa waliin gaafa 06/02/2013 gaggeeffame

[617]Afgaaffii Ob. Radi'eet Biraanuu, Dursaa Garee ENJQ Aanaa Abbayyaa waliin gaafa 06/02/2013 gaggeeffame

[618]Af-gaaffii Ob. Daammanaa Daadhii, I/G/ Deeskii Investimeentii Aanaa Adaamaa waliin gaafa 12/02/2013 gaggeeffame.

[619]Marii garee Hooggansaafi Ogeessota Abbaa Taayitaa ENBJQ Aanaa Heexosaa waliin gaafa 10/2/2013 gaggeeffame (Ob. Tsaggaayee Nagaash (Itti gaafatamaa), Ob. Abduldaffaar Kamaal (A/Adeemsaa), Ob. Darajjee Dabalaa (Ogeessa seeraa), Ob. Mohaammad Nagahoo (Qabeenya Humna Namaa), Ob. Huseen Amaan (Ogeessa Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo fi Hawaasaa), Ob. Xaayer Gammachuu (Ogeessa Kunuunsa Naannoo).

[620]Af-gaaffii Ob. Ballaxaa Tasfayee, B/B-I/G/ Deeskii Misomaa Albudaa Aanaa Fantallee waliin gaafa 3/3/2013 gaggeeffame

[621]Af-gaaffii Ob. Ballaxaa Tasfayee, B/B-I/G/ Deeskii Misooma Albuudaa Aanaa Fantallee waliin gaafa 3/3/2013 gaggeeffame.

[622] Marii Garee Ogeessota. Abbaa Taayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaa 1) Ob. Mokkoniin Asiraat –Daarikteera Qorannoo Qabeenyaa Albuuda 2) Ob.Ajiruu Xaasoo- Dursaa Bulchinsaa Hojiiwwaan Albuudaa 3) Ob. Taaddasaa

- Hallii bulchiinsa lafaa hanqinaa waan qabuuf namni investmentiif lafa barbaadu deemee qonnaan bulaa irraa gatii xiqqaan seeran ala bituun karuma gandaan bifa biraan akka isatti darbu taasisee lafa kiyyarrattin hojii misoomaa gosa akkaanaan gaggeessuu barbaade barbaadee jechuun waajjira lafaa gaafachuun haala mijeeffachuu, galii investmentii irraa mootummaan argachuu malu dhabsiisaa lafa kana kan isaatti jiru ni mul'ata.[623]
- Laftii investimeentiin irraa ka'e ykn heyyaamin isaa haqame gara baankii lafaatti deebi'a haata'u malee laftii baankii lafa keessa jira jechuun akkasumaatti kaa'uun jira, akkataan inni deebi'ee hojii irraa oluu iftomina fiqindoomina dhabuu, malamaltummaaf kiraasassaabummaaf kan saaxilame ta'uu[624].
- Akkataa dambii bulchinsa investimeentii lakk.208/2012 baheen Qonnaan Bulaan, Horsiisee Bulaa yookiin Gamisa Horsiisee Bulaan qabiyyee lafaa isaa irraa sababa pirojektii investimentiif kan kaafamu yoo ta'e pirojekticha keessaa sheerii qabaachuu ni danda'a; Raawwiin isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a jedhee ka'ee jira.[625] Haa ta'u malee, seerichi mirga hawaasa qonnaan bulaa, horsisee bulaa fi gamisa horsisee bulaa kan gonfachisuu waan ta'ee hanga qorannoo kana gaggeessuf raga sassabametti akkataan raawwi isaa qajelfama waan hin qabneef rakkoo uumaa jira.

#### 3.3.3.4. Lafa Jallisii

"Lafa jallisii" jechuun lafa misooma jallisiif oole ykn ooluu danda'u itti fayyadamtoonni lafaa qaama mootummaa dhimmi ilaalu wajjiin ykn ofii isaaniitiin irratti walii galanii haala ammayyaa ykn aadaatiin kan misoome ykn akka misoomuuf ijaarsi jallisii barbaachisaa ta'e irratti gaggeeffamee fi gaggeeffamu jechuu dha.[626]Lafa qabiyyee dhuunfaa ykn waliin qabame deebisanii qooduun ni danda'ama.[627]Laftijallisii, jallisii aadaa fi hammayyaa kan dabalatudha. Jallisii aadaa jechuun muuxannoo fi beekumsa qabaniin bishaan lagaa, burqaa, bishaan lafa jalaa fi kkf fayyadamuudhaan lafa misooma qonnaatiif oolchuu yoo ta'u,[628] jallisii hammayyaa

---

Tashoomaa – B/B/D Hayyamaafi Bulchiinsaa Albuudaa 4) Ob. Efreem Mul'ataa -Dursaa Garee Tajaajila Seeraa 5) Ob. Fiqaadee Jootee - Ogeessa Seeraa waliin taasifame

[623] Af-gaaffii Shibbii Unkamee, Hoogganaa Waajjira Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafaa Godina Gujii Lixaa waliin gaafa 2/2/2013 gaggeeffame.

[624]Afgaaffii Ob. Dhaqqabaa Tasammaa, Dursaa Garee Eegumsa Naannoo, ATENJQ Godina Sh/Kaabaa waliin gaafa 16/2/2013 gaggeeffame.

[625] Dambii Bulchiinsa Invastimentii Oromiyaa Lak. 208/2012, Kwt.14 (1)

[626] Labsii BIFLBO Lak.130/1999, Kwt. 2(2)

[627] Labsii BIFLBO Lak. 130/1999,Kwt. 2(9)

[628] Dambii BILBO Lak. 151/2005, kwt.2 (5)

jechuun ammoo bu'aa hawaasaa fi diinagdee qorachuudhaan bishaan lagaa, haroo, yookiin bishaan lafa jalaa fi kkf teekinooloojii fooyyaa'aa ta'e fayyadamuudhaan lafa misooma qonnaatiif oolchuu jechuudha.[629]Lafti jallisii irra deebiin qoodamuu ni danda'a, akkaataan qoodinsa isaas bu'uuraa labsii lak. 130/1999, kwt 14, dambii 151/2005, kwt.4 fi qajeelfama lafa jallisii pirojeektiin misoomu uummataaf qooduuf bahe lakk-01/2006'tiin kan raawwatamu ta'a.Haata'u malee, lafti jallisii qabeenya dhaabbataa kan akka Buna, Maangoo, Paappayyaa, Burtukaana, Shankooraa, Jimaa fi kkf irratti misoomee jiru irra deebi'amee hin qoodamu.[630]Dabalataanis, laga, haroo, burqaa bishaan lafa jalaa fi kan kana fakkaatu fayyadamuudhaan qonnaan bulaa, horsiisee bulaa yookiin gamisa horsiisee bulaa lafa qabiyyee isaa irratti jallisii aadaa yookiin hammayyaa ofiisaatiin yookiin nama biraa waliin ta'uudhaan misoomse irra deebi'amee hin qoodamu.[631]

Akkaataa seerichaatti misoomni jallisii gaggeeffamu kamiyyuu hirmaannaa fi murtii uummataatiin kan raawwatamu, namoonni qabiyyeen isaanii jallisii jala oole bakka ni bu'aaf, ta'us abbaa warraa qabiyyeen isaa jallisii jala ooleef heektaara 0.5 miseensa maatii isaa kan umuriin 18 ol ta'eef heektaara 0.25 qoodamee, kan hafee namoota meeqaaf akka oolu adda bahee uummataaf dhiyaata. Namoota lafti isaanii jallisii jala oolu abbaa qabiyyee fi miseensa maatii isaa waggaa 18 fi isa ol ta'aniif qoodamee, lafa hafee namoota biroo fayyadamaa ta'uu danda'an ragaan uummataaf ni dhiyaata.[632] Namoota lafti isaanii jallisii jala oole lafa abbaa qabiyyeetiin walgitu namoota lafa jallisii akka argatan taasifamu irraa akka bakka bu'u marii uummataaf dhiyaatee kan murtaa'u ta'a. kunis lafa abbaa qabiyyee misooma jallisii jala ooleef namoota adda addaa irraa bakka bu'u ciccitaa waan ta'uuf, hanga danda'ameen waljalaasiqinsaan lafti namoota bakka bu'uuf naannoo tokkotti akka kennamuuf ni taasifama jechuun qajeelfamichi ibseera. Qoodinsi jallisii raawwatame mana maree aanaatin kan mirkanaa'u/ragga'u ta'a.[633] Namoota akkaata kanaan mirga itti fayyadama lafa jallisii argataniif waraqaan ragaa qabiyyee lafa baadiyyaa ni kennamaafi.

Namni mirga ittifayyadama lafa baadiyyaa jallisiidhaan misoomu qabu sababa gahaa malee osoo itti hin fayyadamiin oomisha yeroo tokkoo kan dabarse ta'uu Koreen yoo dhiyaate,

---

629 Dambii BILBO Lak. 151/2005, Kwt.2 (6)
630 Dambii BILBO Lak.151/2005, Kwt.4 (1)
631 Dambii BILBO Lak. 151/2005, Kwt.4(3)
632 Qajeelfama Lafa Jallisii Pirojeektiin Misoomuu Uummataaf Qooduuf Bahe Lak-01/2006, Kwt 6-2-7
633 Qajeelfama Lafa Jallisii Pirojeektiin Misoomuu Uummataaf Qooduuf Bahe Lak-01/2006, Kwt 7.

Bulchiinsi Gandaa akeekkachiisa barreeffamaa kennuudhaan dhimmicha waajjiri akka beeku ni taasisa. Ittifufiinsaan oomisha yeroo lamaa yoo dabarse Bulchiinsa Gandaatiin erga mirkanaa' ee booda, Waajjirri dhimmicha qulqulleessee akeekkachiifni dhumaa nikennamaafi.Abbaan qabiyyee akeekkachiisa isa dhumaa kennameef fudhatee guyyaa misoomsuu dhaabe irraa kaasee waggaa lamaa fi isaa ol yoo dabarse, Waajjirri Mana Maree Bulchiinsa Aanaatiif dhiyeessee akka irraa fuudhamu yoo murtaa‘e lafa dhabeeyyii gandatti iyyatanii galmaa’aniif lafichi kan kennamu ta’a jedha.[634]

Afgaaffii fi mariii garee taasifame irraa kan hubanne lafti jallisii heddumminaan akkaataa labsii, dambiifiqajeelfamaatiin deebisanii qooduun hanqina qaba.[635] Dargaggoonnii fi hojii dhaabdoonni lafa argachaa hin jiran;humnii fi lafti wal simaa hin jiru.[636] Namni lafti jallisii irra oolee sun bakka sanii iddoo hundaa qabachuu, lafti bakka bu’insaa qixa qabiyyee kiyyaa hin madaalu, sadarkaan lafichaa kan ani hin barbaadne jechuun akkaataa qajeelfamaa[637] fi seeraatiin raawwachisuu dhabuun ni jira.[638] Kanaaf, seericha hojiitti hiikuun rakkoo ta’aa jira.[639] Lafa jallisii iddoowwan gaggaarii qonnaan bulaa buqqisuun dureessaaf kennuun,[640] ykn nama dhuunfaaf investara jechuun kennuunis ni jira.[641] Fakkeenyaaf, jallisiinGidaaboo rakkoo akkasii qaba.

Bu’uura istaandardii lafa jallisii nama tokkoof seerri teechiseen iddoon hojiirra itti hin oolles ni mul’ata.[642] Fakkeenyaaf, Aanaa Leemmoofi Bilbilootti qonnaan bultootni lafa jallisii babal’aa

---

634 Dambii BILBO Lak.151/2005, Kwt. 5 (6)

635 Afgaaffii Ob. Abbabaa Leellisaa, Itti Gaafatamaa Waajjira Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafaa Godina Shawaa Lixaa waliin gaafa 02/01/2013 gaggeeffame.

636 Afgaaffii Ob.Tashoomaa Gammadaa, Ogeessa Mala Qonnaa Godina Arsii waliin gaafa 11/02/2013 gaggeeffame

637 Afgaaffii Ob. Garramaw Tasfayee, Bulchaa Aanaa Alaltuu waliin gaafa 25/2/2013 taasifame.

638 Fakkeenyaaf, Haroo jilaa irratti hanqinni akkasii mudateera (Obbo Baqqabin Indaalee, I/AWaajjira Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Aanaa S/Hawaas waliin Afgaaffii taasifame).

639 Afgaaffii Ob. Abbabaa Leellisaa, Itti Gaafatamaa Waajjira Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa Godina Shawaa Lixaa waliin gaafa 02/01/2013 gaggeeffame.

640 Afgaaffii Ob.Taayyee Dibaabaa, Daariktoretii Komii Uummataa Waajjira Pirezidaantiitti Ogeessa kenna Tajaajilaa waliin gaafa 9/3/2013 gaggeeffame.

641 Afgaaffii Ob. Asiraat Indaalaa, Ogeessa Eegumsa Midhaanii Waajjira Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa Aanaa Abbayyaa waliin gaafa 6/2/2013 gaggeeffame.

642 Afgaaffii Ob. Fiqaaduu Nagaash, Mahaandisa Jallisii Waajjira Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa Aanaa Leemmoo waliin taasifame.

hanga hekt.2-3 kan qabantu jira.[643] Kana malees, abbootiin qabiyyee lafa jallisii oomisha malee yeroo teechisan tarkaanfiin gama kanaan fudhatamu laafaadha .[644]

Akkaataa seerri jedhuun qoodinsa lafa jallisii raawwachuun rakkisaa ta'aa jira. Haata'u malee,bakkee qoodinsi kun itti gaggeeffame ni jira. Rakkoon gama kanaan jiru, qonnaan bulaan ykn horsiisee bulaan misooma jallisii irraa akka hin fayyadamne naannoo birootii dhufanii bifa kiraatiin qabachuun, harka lafa jalaan/seeraan ala qonnaan bulaa lafa isaa irraa buqqisuutu jira.[645] Haata'u malee, waldaan gurma'aanii akka hojjetan taasifama jira, kanas abbootiin qabeenyaa waldaa dadhabsiisuun ykn balleessuun, akka warra maxxanaa ta'anitti darbu taasisuun jira. Gama waldaatiin hanqinni jiru, jallisii dabaree isaanii malee bishaan waljalaa obaafachuu, jallisiin dabaree isaanii irratti bishaan gurgurachuu, qonnan bulaa bishaan obaasee irra qarshii guuruun ni mul'ata.[646] Kana irraan kan ka'e, qabatamatti, yeroo waldiddaan itti uumamu ni jira.[647] Itti fayyadama lafa jallisii irratti qulqullina bo'oo jallisii eeguu dhabuu, dabareen bishaan fayyadamuu dhabuu fi leenjii hubannoo gahaa dhabuunis ni jira.[648]

Qarqara bishaanii, lageen, burqa warra madda jallisiif tajaajilan irratti baargamoo dhaabuun rakkoo guddaa uumaa jira, Fkn. Aanaa Walmaraa bakka Coqqee jedhamu.[649] Qulqullinaa yaa'a (booyii) jallisii eeguu dhabuu fi maasii namatti gadhiisuunis rakkoowwan mul'atanidha.[650]

---

[643]Afgaaffii Ob. Billoo Baqqalaa, Qindeessaa Ragaa Waajjira Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa Aanaa Leemmoo fi Bilbiloo waliin gaafa 11/2/2013 gaggeeffame.
[644]Afgaaffii Ob. Jamaal Mohaammad, A/Adeemsa Hojii Komii fi Iyyannoo Uummataa Aanaa G/Bordoddee waliin gaafa 30/2/2013 gaggeeffame
[645]Marii garee hooggantootaafi ogeessotaa Waajjira Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa Aanaa Adaamaa:1) Ob. Shifarraa Yaaddechaa Boosat –I/A//waajjiraa 2) Ad. Tigist Tujuubaa – Dursaa garee qabeenyaa midhanii 3) Ad. Raheel Alamayyoo Dursaa garee qabeenyaa uumaamaa 4) Ob. Tamaam Abdulaahi-Dursaa garee eksitenshinii qonnaa waliin gaggeeffame.
[646]Afgaaffii Ob.Tsahaay Mangistee, D/Garee Ijarsaa Jallisii fi B/B Itti Aanaa Waajjira Qonnaa fi Qabeenyaa Uumamaa Aanaa Ciroo waliin taasifame.
[647]Afgaaffii Inspeektar -Abdulaziiz Jamaal –It/A/Daar/Ga/Qor/Yakkaa fi Murtii Haqaa kennisisaa waliin gaafa 2/3 / 2013 gaggeeffame.
[648]Afgaaffii Ob. Birhaanuu Hayiluu, Dursaa Garee Makaanayizeeshinii fi Calla Guddistuu Waajira Qonnaa fi Horsiisee Bulaa Aanaa Faantaallee waliin gaafa 3/3/2013 gaggeeffame.
[649] Afgaaffii Ob. Dajanee Baqqalaa, I/A/I/Qonnaa godinaa Waajjira Qonnaa fi Qabeenyaa Uumaa Godinaa Addaa N/Finfinnee waliin gaggeeffame.
[650] Afgaaffii Saj/ Olanaa Geetuu Girmaa, I/G/D/Q/ Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisisaa Waajjira Pooli Aanaa Alaltuu waliin taasifame.

### 3.4. Akkaataa Falmiin/Waldiddaan Lafa Baadiyyaa Itti Hiikamu

#### 3.4.1. Seensa

Wal-diddaa ykn wal-dhabiinsa lafaa jechuun fedhii dhuunfaaf jecha qaamoleen lamaa fi isaa ol lafa irratti yeroo waldhabdii uuman jechuu akka ta'e hayyuuleen adda addaa dhimma wal-diddaa lafaa irratti qorannoo taasisan irra hubachuu ni danda'ama[651]. Ta'us waldiddaan haala iftoomina qabuu fi si'oomina qabuun hiikamuu qaba; yoo akkas ta'uu baate guddinaa fi misooma irratti kan gufuu uumu ykn kan qancarsuu ta'a.[652]

Falmiiwwan siivilii mana murtiitti baay'inaan dhiyaatan keessaa falmii lafa baadiyyaa isa tokko. Falmiiwwan akkas baay'atan kana immoo, adeemsa sirrii ta'e diriirsuun keessummeessuun barbaachisaa dha. Adeemsi waldiddaa hiikuu inni sirrii kana jedhanii lafa kaa'uun kan nama rakkisu yoo ta'ellee, ulaagaaleen adeemsa tokko sirriidha jechisiisuu dandeessisan addunyaarrattis beekamtii argatan ni jiru. Isaan kana barreessaan tokko yoo ibsu:

> *The most basic elements that constitute an effective judicial system include, predictable judicial discretion applied to rulings, access to the courts by the population in general regardless of their income level, reasonable times to disposition and adequate remedies[653] jechuun barreesseera.*

Akka barreessaa kanaatti, adeemsi waldiddaa hiikuu tokko sirriidha jedhamuuf ulaagaalee kanaafran guutuu barbaachisa. Uulaagaaleen afran kun immoo ija adeemsa waldiddaa hiikuutiin yoo ilaalaman bakka gurguddaa lamatti: bu'aqabeessummaa fi si'aayina jedhamanii cuunfamuu danda'u. Kanaafuu, adeemsi waldiddaa hiikuu akka waliigalaatti, kan lafa baadiyyaa immoo akka addaatti, sirriidha jedhamuuf adeemsichi bu'a qabeessaa fi si'ataa yoo ta'edha jechuun ni danda'ama. Adeemsi sirriin adeemsa bu'u qabeessaa fi si'ataa ta'edha erga jennee immoo gaaffiin itti aanee ka'uu malu adeemsi attamii yoo diriire bu'a qabeessaa fi si'ataa ta'a? kan jedhu dha. Yeroo baay'ee bu'a qabeessummaanii fi si'oominni kan argamu adeemsa tokko qofa hordofuudhaan osoo hin ta'iin adeemsota lama: adeemsa idilee fi al-idilee walcinaa

[651] Wehrmann, B., Understanding, Preventing and Solving Land Conflicts, Eschborn,Germany, 2017, FF12-34
[652] Wehrmann, B., Akkuma 651[ffaa], FF.12-13.
[653]Edgardo Busca glia, Investigating the Links Between Access to Justice and Governance Factors: An Objective Indicators. Approach, Global Program Against Corruption, Centre for International Crime Prevention, F.92.

diriirsuudhaan.[654] Adeemsotni kun lamaanuu ciminaa fi dadhabina mataa isaanii kan qaban yoo ta'ellee, adeemsi tokko isa biraa waan deggeruuf adeemsa waldiddaan itti hiikamu bu'a qabeessaa fi si'ataa gochuuf carraan jiru bal'aa dha. Fakkeenyaaf, adeemsi al-idilee adeemsa idileen walbira qabamee yoo ilaalamu akka salphaatti qaqqabamaa, si'ataa fi baasii xiqqaa kan barbaadu dha. Haata'u malee, adeemsi al-idilee falmiiwwan faayidaa uummataa tuqan ofitti fuudhee keessummeessuuf dandeettiin seeraa hir'achuu danda'a. Kana jechuun, adeemsotni lamaanuu kan walgargaaranidha malee, adeemsi tokko qofaa isaa guutummaa guutuutti bu'a - qabeessaa fi si'ataa kan ta'u miti.Yaada kana yoo cimsu barreessaan maqaan isaa armaan olitti ibsame akkas jechuun barreesseera:

> *Large segments of the poplation who lack the information or the means to surmount the significant substantive and procedural barriers seek informal mechanisms to redress their grievances. Informal institutions do provide an escape valve for certain types of conflicts. Yet many other types of disputes involving, for example, fundamental rights and public interest remain unsolved.*[655]

Barreessaan kun barbaachisummaa adeemsota lamaanii ifatti ibseera. Waan kana ta'eef,waldhabiinsa ka'u tokko haala bu'a-qabeessaa fi si'ataa ta'een hiikuuf adeemsa lamaanuu(idilee fi al- idilee) walcinaa hiriirsuun adeemsa filatamudha jechuun ni danda'ama.

### 3.4.2.Ka'umsa Wal-diddaa/Falmii Lafa Baadiyyaa

Akka Addunyaatti ka'umsi wal-diddaa lafaa hedduu ta'us manca'uu qabeenya uumamaa yoo ta'u, innis baay'achuu lakkoofsa uummataa, hongee fi baba'lachuu magaalota biyyattii akka ta'e qorannoon dhimma kana irratti taasifame ni mul'isa. Hawaasni bakka baddaa keessa jiraatu gammoojjii bakka jiidha qabu keessa qubachuuf yaalii taasisuun qabeenya uumamaa irratti dorgommii taasifamuun wal-diddaan lafaa kan uumamuudha.[656] Gama biraatiin baba'lachuu oomisha qonnaa gabaaf oolaniin wal-qabatee qabeenya uumamaa irratti dorgommii uumamuun, godhaanuu uummata bakka bakka lafti bal'inaan jiru gara gammoojjiitti taasifamuun kanneen yeroo dheeraa lafa bal'aa of-harkaa qaban gidduutti uumamuun muddamni yookiin wal-diddaa

---

[654] Walt Baer, Arbitration strategy for Labor and Management Advocates, 2006, seensa kitaabichaa irratti.
[655] Walt Baer, Akkuma 654[ffaa].
[656] Pica-Ciamarra, *et al*. Olitti yaadannoo lak. 183.

lafaa guddaan kanneen godaananiii dhufanii fi kanneen duraan lafa of-harkaa qaban gidduutti argannaa lafaan wal-qabatee wal-diddaa hamaan ni uumama.[657]

Akka biyya keenyaattis wal-diddaa fi wal-dhabiinsi lafa baadiyyaa irratti uumamu hedduu ta'us, kanneen ijoo ta'anii fi hudhaa ta'an keessaa muraasni rakkoo daangaa (jeequmsi narraa haa dhaabbatu), qabiyyee kun naaf ta'a jechuun/ownership, waraqaa ragaa qabiyyee/kaartaa qabiyyee lafa baadiyyaa, kafaltii beenyaan natti xiqqaate kan jedhuun kan uumamuudha. Dhaalmaa keessatti lafa maatii isaanii akka gahee isaaniitti qooddachuuf rakkoon yeroo uumamu wal-diddaa yookiin wal-dhabdee uumamu, kennaa maatii fi maatii, maatii fi qaama biraa waliin raawwatamuuf wal-dhabdee uumamuun kan ka'uu fi diigamuu gaa'ilaa keessatti qoodiinsa lafaa raawwatamuun wal-diddaa uumamuu ni danda'a.

### 3.4.3. Adeemsa Wal-diddaan Lafa Baadiyyaa Itti Hiikamu

Waldiddaa/falmii lafaa hiikuu ilaalchisee ejjennoowwaan adda addaa yeroo calaqqisan ni mul'ata. Kunis,

- *Dhimmi lafaa qaama lafa bulchuun ykn caasaa mana murtii bulchinsaatin /adminstartive tribunal/ ilaalamu.*
- *Dhimma lafaa kan ilaaluu qabu qaama abbaa seerummaa qabu mana murtii idlee* fi
- *Adeemsa lamaaninuu (idlee fi alidleetiin) walbiraa qabuun yoo hiikame gaariidha kan* jedhan jiru**.**

Haaluma kanaan dhimmi waldiddaa/falmii lafaa hiikuu karaa caasaa bulchinsaa/admnstrative tribunal/ ni hiikama. Fakeenyaaf, falmii lafaa ilaalchisee biyyi Taanzaniyaa caasaa mana murtii idilee malee mana murtii bulchiinsaatiin dhimma lafaa ilaalu qabu.Kuniis "Ward Tribunals" fi "District Land and Housing Tribunals" kan jedhamanidha. Haata'u malee namni murtii kana irratti komii qabu oliyyannoodhan mana murtii idileetti dhimmicha geeffachuu akka danda'uu fi murtii manni murtii kennus isa xumuraa akka ta'e kaa'ee jira.[658]

Kana malees muuxannoo biyyaa Naayijeeriyaa yoo ilaallu dhimmoonni ykn falmiin lafaa mana murtii aadaa (customary court) tti ilaalama. Sababni isaas akka seera fayyadama lafaa biyyattiitti,

[657] Meur, et al., Olitti yaadannoo lak. 184.
[658] Tanzanian Land Act 1999, Kutaa III, Kwt. 197 (1-3).

seerri lafaa akka seera aadaa (customary law) tti fudhatama.[659] Dhimmoonni lafaa haala kanaan sadarkaa jalqabaan mana murtii aadaatiin murtii argatan ol'iyyannoodhaan mana murtii aadaa oliyyannoo (customary court of appeal) fi mana murtii olaanaatti geeffama. Kunis dhimmichi walduraa duubaan gaaffii seera aadaa (questions of customary law) kan kaasu yoo ta'ee fi gaaffii seeraa (questions of law) kan kaasu yoo ta'e dha.

Dabalataanis biyya Filippiinsiittis yoo ilaallu akkaataa aadaatiin walitti bu'insa hiikkachuun durumaa jalqabee kan ture ta'us booda bifa sirnaatiin diriiraa dhufe. Kun, keessattuu kutaalee bulchiinsaa Filippiinsi keessaa tokko kan taate, Barangay keessatti sirna haqaa Baarangay (Barangay Justice System) jedhamuun bara 1978'tti hojiirra ooleera. Akka seera kanaatti, falmiiwwan tokko tokko ilaalchisee, falmii lafaa dabalatee tooftaalee waldiddaan ittiin hiikaman kanneen akka walitti fiduu (mediation),araara (conciliation) fi jaarsummaa (arbitration) fayyadamuun dirqama dha.[660]

Sababni isaa, adeemsa kanaan waldiddaa hiikuun galmawwan sadan armaan gadii ni milkeessa jedhamee waan yaadameefi:

*i.* Sadarkuma Baarangayatti, baasii xiqqaafi akkaataa ariifataa ta'een haqa argachuuf
*ii.* Aadaa akkaataa nagaatiin dubbii fixachuu biyya Filippiinsi yeroo dheeraaf ture eeguufi
*iii.* Baay'ina dhimmootaa gara manneen murtiitti dhiyaatan xiqqeessuu dha.[661]

Muuxannoo biyya Naayjeriyaa fi Taanzaniyaa yoo ilaallu akkaataa mana murtii idleen ala dhimmi falmii lafaa kun mana murtii bulchiinsaa fi mana murtii aadaatti ilaaluu hubachuun ni danda'ama; keessattu hawaasa gama aadaatin dhimma isaanii xumurachuun barmaatilee ta'an keessatti manni murtii aadaa fudhatama guddaa kan argatudha.

Muuxannoo biyya Filiphiinsi yoo ilaallu haalli waldiddaan lafaa itti hiikamu akkaataa biyya keenyaa faana kan walfakkaatu yoo ta'u garagarummaan jiru, kan isaanii bifa sirnaatiin diriiraa ta'uu isaatii. Adeemsi akkaataa sirna kanaan waldiddaa hiikuu kan jalqabu dursa iyyata barreeffamaan ykn afaaniin bulchaa Barangayitti (Barangay chairman) dhiyeessuuni dha.[662] Bulchaan kun filatamaa uummataa ta'ee ol'aantummaan Barangayiin bulcha. Bulchaan kun

---

[659] Rebecca Emiene,Olitti yaadannoo lak. 188[ffaa], F130
[660] Domingo P.Disini, Jr. & et al, Dispute Resolution Mechanisms in the Philippines (Institute of Developing Economies, IDE Asian Law Series No.18, 2002), F18*;* Dassaaleny Biraanuu, Olitti yaadannoo lak. 135, F51.
[661] Domingo P.Disini, Jr. & et al, Akkuma 660[ffaa]; Dassaaleny Biraanuu, Akkuma 660[ffaa].
[662] Dassaaleny Biraanuu, Akkuma 661[ffaa], F52

miseensota garee kaffaltii malee tajaajilan (the Lupon) uummataan filaman muuda.[663] Miseensonni kakuu kan kakataniifi qabeenyaa dhaabbataan walqabatee falmii ka'u kan hiikani dha. Kanaaf adeemsi sirna Barangayiin waldiddaa hiikuu gulantaalee lama qaba. Inni duraa, iyyata dhiyaatuuf irratti hundaa'uun tarkaanfii bulchaan walfalmitoota walitti fiduuf taasisu (the negotiating act) dha.[664] Inni biraa, araara (conciliation) miseensota sadiin (pangkat) taasifamu dha.[665]Namootni sadan kunneen walfalmitootaan kan filaman yommuu ta'u, kan filamanis namoota uummataan filamanii bulchaan muudaman (the Lupon) keessaati.[666] Filannoo isaanii ilaalchisee walfalmitoonni waliigaluu yoo baatan, Bulchaan (Barangay Captain) isaan qajeelcha.[667] Namoonni sadan filataman kunniin walitti qabaafi barreessaa of keessaa filachuun hojii qaamolee waldhaban walitti araarsuu itti fufu. Kaayyoon isaanii jalqabaa murtii kennuu osoo hin taane qaamolee waldhaban waltaasisuu dha.[668] Dhimmoonni manneen murtiif ykn ejensiiwwaniif dhiyaachuu isaaniin dura koree miseensota sadii qabu kana biratti ilaalamuu isaanii dhiyaachuu qaba.[669]

Bu'aa hordofsiisu ilaalchisee walfalmitoonni dhimma isaanii waliigalteen kan xumuratan yoo ta'e, wanti isaan irratti waliigalan guyyoota 10 keessatti xumuramuun akkuma murtii mana murtiitti ilaalamuun hojiirra kan oolu ta'a.[670] Waliigaltee irra kan ga'ame fedhii maleeti qaamni jedhu yoo jiraate garuu waliigaltichi haqamuu danda'a. Kanaaf muuxannoowwan biyyoota adda addaa irraa kan hubachuu dandeenyu falmiin lafa baadiyyaa karaa aadaatiin, karaa mana murtii bulchiinsaa fi mana murtii idleetiin ta'uu isaa agarsiisa.

Biyyii keenya sirna federaalizimii hordofuu erga eegaltee as naannoleen seera bulchiinsaa fi ittifayyadama lafa baadiyyaa mataa isaanii baafatanii akkaataa waldiddaan lafaa itti hiikamuu danda'us teechifatanii jiru.Akkaataa seera lafaMootummaa Federaalatti "mirga qabiyyee lafa baadiyyaa ilaachisee falmiin yeroo ka'u wal-falmitoota dhimmi ilaallatuun marii fi waliigalteen

---

[663] Floradema C. Eleazar, et al, Improving Land Sector Governance in the Philippines (Report on Implementation of Land Governance Assessment Framework (LGAF) which was coordinated by LETS in consultation with various stakeholders led by DENR and with support from the World Bank, 2013), F107.
[664] Floradema C. Eleazar et al, Akkuma 663[ffaa], F19.
[665] Floradema C. Eleazar et al, Akkuma 665[ffaa].
[666] Dassaaleny Biraanuu, Olitti yaadannoo lak. 135.
[667] Dassaaleny Biraanuu, Akkuma 666[ffaa].
[668] Alternative Dispute Resolution (ADR) Mechanisms for Land Disputes, ADR Policy, Institutions of Surveyors of Kenya, F107.
[669] Alternative Dispute Resolution (ADR) Mechanisms for Land Disputes, Akkuma 668[ffaa], F107
[670] ADR Mechanisms for Land Disputes, Akkuma 669[ffaa], F19

akka hiikamu yaaliin ni godhama. waliigalteen hiikamuu yoo hin dandeenye jaarsummaa qaamolee wal-falmitootaan filamuun yookiin bu'uura seera bulchiinsaa fi ittifayyadama lafaa naannichaatiin tumameen ni murtaa'a"[671] jedhee ibsee jira.

Akkaa Naannoo Tigraayitti falmiin lafaa gara mana murtii idilee dhufuun dura karaa gandaan kan ilaalamu ta'uu isaa hubanna. Murtiiwwan karaa aadaatiin kennamanis ta'e kan karaa koree bulchiinsa gandaa keessaatti dhimma lafaa ilaaluuf dhaabbateen kennaman akkuma murtii mana murti idileen kennameetti raawwatamumma akka qabu labsiin lafa baadiyaa naannichaa tumeera.[672]Naannoo Tigraayitti manni murtii idilee sadarkaa jalqabaa (regular first instance court) dhimma lafa baadiyyaa akka ol'iyyataatti dhagaha.[673] Dambiin lafa baadiyaa naannichaa dambiin lakk. 48/2007 kwt 48 (9) hanga yeroo manni murtii idilee dhimma lafaa bifa ol-iyyannootiin murtoo qaamni abbaa seerummaa gandaa irratti dhimma lafa baadiyyaa ilaaluuf hundaa'e murteessee guyyoota 30 keessatti ilaalee murtii akka itti kennu teechisa.[674]

Labsii fi dambiin lafa baadiyyaa Mootummaa Naannoo Tigraay dhimma lafaa ilaalchisee dursa hawaasni waldhabbii isaa yoo danda'e karaa tooftaaalee hiikkaa waldiddaa hawaasa keessatti beekamaniin akka xumuratan jajjabeesa. Garuu hiikkaan waldiddaa lafa irratti ka'u karaa aadaan akka xumuramu jajjabbeessuu irra darbee dirqamaan namni kamiyyuu dhimma isaa karaa aadaan xumurachuu qaba jechuun dirqama hin taasifne. Gama biraan akka dirqamaatti kan labsii fi dambin lafa baadiyaa naannichaa teechise, dhimmi lafaa jalqaba irratti iddoo qaama abbaa seerumma dhimma lafa baadiyyaa akka ilaaluuf ganda gandatti hundaa'een ilaalamuu akka qabu tuma.

Akka Naannoo Beenishangul Gumuzitti akkaataa waldiddaan ykn falmiin lafa baadiyyaa ittiin furmaata argatus tuamamee jira. Tumaaleen labsii, danbii fi qajeelfama lafa bulchiinsaa fi fayyadama lafa baadiyyaa Naannoo kanaa akkaataa ykn adeemsa waldiddaan qabiyyee fi fayyadama lafa baadiyyaa irratti ka'u ittiin furamuu danda'uu tumaniiru.[675] Falmiin ykn waldiddaan qabiyyee ykn fayyadama lafa baadiyyaa ilaalchisee ka'u kamiyyuu jaarsummaan ilaalamee araaraan akka xumuramuuf yaaliin ni taasifama. Filannoon jaarsolii araaraa fi

[671] Labsii BIFLBF Lak. 456/97, Kwt. 12.
[672] Labsii BIFLB Naannoo Tigiraay Lak. 136/2007, Kwt. 28 (3).
[673] Haftom Tesfay, Olitti yaadannoo lak.253, F.71.
[674] Haftom Tesfay, Akkuma 673[ffaa].
[675] Labsii Lakk.34, Danbii Kwt.33, Qajeelfama Kwt.72-82

akkaataan araarichi itti raawwatamu bu'uura aadaa naannoo isaanii irratti hundaa'uun waliigaltee abbootii dhimmaatiin raawwatama. Haala kanaan furamuu yoo dadhabe akka amala dhimmichaatti gara mana murtiitti geeffamee ykn qaama bulchiinsa abbaa taayitaa aanaa biratti dhiyaatee ragaaleen jiran ilaalamanii furmaanni kan kennamu ta'a. Adeemsaa fi sirni waldiddaan lafa baadiyyaa jaarsummaan ittiin furamuu danda'u ilaalchisee Qajeelfamni Bulchiinsaa fi Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannichaa ktw.72-82 jalatti bal'inaan tumeera.

Akkaa Mootummaa Naannoo Amaraatti waldiddaan lafa baadiyyaa irratti ka'u itti hiikamu ilaalchisee labsichi kwt.52 jalatti uwwisa kenneera. Haaluma kanaan, dursa mariifi waliigaltee qaamolee waldhabaniin hiikama.[676] Qaamoleen waldhaban waliigalteen hiikuu kan hin dandeenye yoo ta'e, ammoo jaarsummaa isaan filataniin kan hiikamu ta'a.[677] Mariifi waliigaltee qaamolee waldhabaniin ykn jaarsummaan hiikkachuu kan hin dandeenye yoo ta'e, guyyoota soddoma (30) keessatti mana murtii aanaa dhiyeenya qabutti dhiyaachuu danda'a.[678] Murtii manni murtii aanaa kenne irraa qaamni komii qabu guyyoota soddoma (30) keessatti mana murtii ol'aanaatti komii isaa dhiyeeffachuu danda'a.[679] Manni murtii ol'aanaa murtii mana murtii aanaa kan cimse yoo ta'e, murtichi kan dhumaa ta'a;kan fooyyeesse ykn kan diige yoo ta'e ammoo yeroo lammaffaaf Mana Murtii Waliigala Naannichaatti ol iyyachuu danda'a;murtiin qaama kanaan kennamus isa dhumaa ta'a.[680]

Murtii bulchiinsaa waajjirri bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa aanaa kennu irratti qaamni komii qabu akkaataa mana murtiitti dhiyeeffachuu danda'us labsichi tumeera.[681] Akka waliigalaatti, labsichi adeemsa falmiin lafa baadiyyaan walqabatee ka'u itti hiikamu mariifi waliigaltee qaamolee waldhabanii, jaarsummaan, waajjira bulchiinsaafi itti fayyadama lafaa fi manneen murtii idilee jechuun bal'isee kaa'ee akka jiru hubachuun ni danda'ama.

Akka Naannoo keenyaatti akkaataa waldiddaa fi waldhabiinsi lafa baadiyyaa itti hiikamuu yeroo ilaallu;

---

[676] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, Kwt.52 (1) (A).
[677]Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, Kwt.52 (1) (B).
[678] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, kwt.52 (2).
[679] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, kwt.52 (3).
[680] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, kwt.52 (4-5)
[681] Labsii BIFLB Naannoo Amaaraa Lak. 252/2009, kwt.52 (6).

“*Waldiddaa fi waldhabiinsa daangaa yookiin abbummaa qabiyyee lafaa qonnaan bulaa, horsiisee bulaa yookiin gamisa horsiisee bulaa kan akka oorruu, lafa manaa, lafa dheedicha, lafa bishaanii, lafa jallisii fi kan kana fakkaatan ilaalchisee uummamu mana murtii dhaquun dura iyyata bulchiinsa gandaati dhiyaatee jaarsolee araaraa abbootiin dhimmaa filataniin akka ilaalamuu qaban*” labsii bulchiinsaf ittifayyadama lafa baadiyyaa[682] fi labsiichaa raawwachisuuf dambii bahee keessatti ta’ee jira[683].

Akka naannoo keenyaatti waldiddaan lafaa kan hiikamaa jiru haala idlee fi al-idlee kan haammate fakkaata.Kuniscaasaa mana murtii malee al-idleedhaan karaa caasaa gandaa jaarsolii araaraatin akka furatan taasisuu isaati. Haaluma kanaan waldiddaanyknwaldhabiinsidaangaalafaqonnaarratti yknqabiyyeelafaarrattika'ukamiyyuu haala armaan gaditti jiruun hiika argata;-

a) Bulchiinsagandaattiiyyannini dhiyaata;
b) Jaarsoleenaraaraalamalamawalhimanootalamaaniinakkafilatamannitaasifama;
c) Walitti qabaanjaarsoleearaaraawalhimanattootaanyknjaarsoleearaaraatiin filatama; yoowaliigaluudadhabanbulchaagandaatiinwalittiqabaanniramadama.
d) Bulchiinsigandaaiyyannidhiyaateefjaarsoleearaaraaabbootiidhimmaatiinfilatamaniinbu'aaaraar aaguyyaa15keessattiakkadhiyeessannitaasisa.
e) Bu'aaaraaraajaarsoleedhaandhiyaatcbulchiinsigandaanigalmecssa.Waraabbiiisaatiisbattaluma ttiabbootiidhimmaatiifchaappaagochuudhaannikenna.
f) Bu’aa araaraa jaarsoleen kennan irratti namni waliihingalle yoo jiraate, Bulchiinsi Gandichaa gaafa galmeesserraa eegalee bultii 30 keessatti bu’aa jaarsolee araaraan walqabsiisuun himannaa isaa Mana Murtii Aanaatti dhiyeeffachuu ni danda’a.
g) Manni murtii Aanaa bu’aan araaraa jaarsolee gandaatiin kenname osoo hindhiyaatiin himannaa fudhachuu hinqabu.
h) Murtii Mana Murtii Aanaatiin kennamerratti namni komii qabu mana murtii ol’aanaatti ol iyyannoo isaa dhiyeeffachuu ni danda’a.
i) Manni Murtii Ol’aanaa murtii Mana Murtii Aanaatiin kenname kan jijjiire yoo ta’e, Mana Murtii Waliigalaatti ol iyyannoo dhiyeessuu ni danda’ma.
j) Murtiin Mana Murtii Waliigalaatiin kennamu isa dhumaa ta’a jechuun eerga kaa’ee booda,

[682] Labsii BIFLO Lak.130/1999, Kwt.16
[683] Dambii BIFLBO Lak. 151/2005, Kwt.18

kwt xiqqaa lama jalattimmoo walhimattoonni lamaanuu haala barbaadaniin dhimma isaanii fixachu ykn araaramuu akka danda'an labsichi hayyameera.[684]

Akkuma keewwata kana irraa hubachuun danda'amutti, waldiddaa lafa baadiyyaa hiikuu keessatti qaamoleen kallattiin hirmaattoota ta'an *bulchaa gandaa, gareewwan lamaan jaarsolii araaraa fi mana murtii dha*. Kaayyoon seeriichaa dhimmoonni waldiddaa lafaa ilaallatan ganda irraa ka'uun isaa haala aadaa fi duudhaa hawaasichaa ilaalcha keessa galcheen jaarsolii araaraa bitaaf mirgaan filatamaniin dhimmi isaani akka ilaalamuu taasisuufidha.Walumaagalaatti akkaataadhuma seera biyya Filiphiinsi sana kaayyoon mala hiikkaa falmii lafaa Naannoo keenyaas:

1) Sadarkuma gandaatti baasii xiqqaafi akkaataa ariifataa ta'een haqa argachuuf
2) Aadaa akkaataa nagaatiin dubbii fixachuu hawaasicha keessa jiru tiskuu
3) Baay'ina dhimmootaa gara manneen murtiitti dhiyaatan xiqqeessuu dha.

Labsichi waldiddaan lafaa gandaa irra akka ka'uu taasisuun hawaasa akkaataa baasiif hin saaxilamneen achumatti dhimma isaa akka xumuratu gochuudha. Adeemsa waldiddaa hiikuu kana keessatti rakkooleen qabatamaan mul'atan maal fa'i, haalli falmiin lafa baadiyyaa yeroo ammaa itti hiikamaa jiru hanqina maalii qaba kan jedhu qorannoo kanaan afgaaffii fi marii garee taasiseen barreffamoota adda addaa waliin walbira qabuun xinxalamee jira. Bu'uuruma kanaan;

**i.** Falmii lafaa gandatti jaarsolii araaraatiin hiikuu ilaalchisee rakkoon qabatamaan mul'achaa jiram maali haala seerichi jedhuun baasii xiqqeessaa jiraa? Bu'a qabeessaa? Galmee mana murtii irraa hir'isaa jiraa? kan jedhuun qorannoo kanaan xinxalamee jira.Akkaataa qorannoo kanaaf ragaa sassaabnetti afgaaffii fi marii garee bal'aa taasisnee qaamoleen muraasnifalmiin lafaa ganda irraa ka'uun isaa bu'a qabeessa miti sababiin isaas adeemsi falmiin lafaa gandairraa ka'uu adeemsa walxaxaa fi dadhabsiisaa[685], abbaa dhimmaa kan deddeebisu, gabaasni bulchiinsa gandaa irraa dhiyaatus mana murtii birattii gatii (value) hin qabu ykn galmee banachuuf malee hin fayyadu; gabaasichi hamma mallattaaffamee kennamutti abbaa dhimmaa baasii fi dadhabbii garaagaraaf saaxila; bu'aa araaraas akkuma jaarsummaa sirriitti ilaalla jechuuf bu'aan araaraa sun mana murtiif kan dhihaatu bifa himannaatiin malee bifa ol-iyyannootiin miti. Jecha biraatiin ibsuuf, murtiin jaarsummaa sirrii dirqisiisaa waan ta'eef, mana murtiif ol iyyannoodhaan kan

[684] Labsii BIFLBO Lak. 130/1999, Kwt.16( a-j)
[685]Afgaaffii Ob.Tokkummaa Caalaa, Pirezidantii MMA Yaabeelloo waliin gaafa 03/02/2013 gaggeeffame.

dhihaatudha malee, akka haaraatti himata ta'ee dhihaachuu hinqabu. Kan labsichaan taa'ee jiru garuu bu'aan araaraa akkuma ragaatti kan ilaalamudha malee murtii ta'ee kan dirqisiisu miti. Waan kana ta'eef, maalummaa bu'aa araaraa (its status) gar-tokkotti ramadanii ilaaluun nama rakkisa waan ta'eef osoo gandatti ilaalamuun hafee kan jedhu kaasu.[686]

**ii.** Gama biraatiin,dhimmoonni waldiddaa lafaa gandaa ka'uun isaa gaariidha[687]; bu'a-qabeessa dha; hawaasni keenya aadaa ittin dhimma isaa fixatu qaba, aadaa jajjabeessa, galmee mana murtii irraas hedduu hir'isaa jira[688], karaa aadaa waldhiibuun hin jiru firoomummaan xumurama. Kana malees, al-seerumma (seeran ala lafa qabatanii sobaan warra walitti falman ni saaxila[689] seeraan ala lafa qabachuun falmiin yeroo ka'u battala mana murtii dhaquun dura caasaan gandaa dhimmicha waan hubatuuf dhimmoota al-seerumma baay'ee ni hambisa[690]. Kana malees, adeemsi waldiddaa hiikuu gaariidha kan jedhamu adeemsa idilee fi al-dilee yoo qabate ta'uu isaa ni beekkama.Haaluma kanan akkaataa waldiddaa fi waldhabiinsa lafa baadiyyaa yeroo ammaa itti hiikamu yeroo ilaallu adeemsa lamaanu of keessaatti waan hammate dha waan ta'eef gaariidha. Keesaattuu, waldiddaan lafaa haala al-idleetin hiikamu irraa caalaan (win-win approch) waan ta'eef, falmii lafaa kana keessatti bitaaf mirgii waldiddaa uumaman haala godaannisa hin uumneen akka dhimma isaani furan gargaaruun cinatti biyyaa tokko keessatti akkaatan mala birootin waldiddaan itti hiikamu (ADR) ta'ee kan gargaaru ta'a. Akkumaa beekamu waldiddaan lafaa fi kan lafaan alaa naannoo hawaasa horsisee bulaa irratti ka'u yeroo baay'ee furmaata kan argatu haala aadaatinidha. Godinoota Booranaa fi Gujii keessatti baratamaa dha, haalli bulchiinsa lafaa isaanis lafa waliinii kan horsisaa looniif ta'u waanta'eef, irra caalaan waldiddaan kan hiikaamuu karaa aadaatiin jaaroolee biyyaa fi karaa Abbootii Gadaatin.[691]Hawaasa naannoo qonnaan bulaa keessattis hawaasni durii kaasee waldiddaa uumamu aadaadhaan furataa dhufee jira. Erga labsiin bulchinsaa fi ittifayyadaama lafa baadiyyaa bahee as hawaasichi waldiddaa lafaa akkaataadhuma aadaa hawaasichaan karaa caasaa gandaa

---

[686] Afgaaffii Ob. Ibsaa Daksiisaa, A/Seeraa MMOG Gujii Lixaa waliin gaafa 02/02/2013 gaggeeffame.

[687] Af-gaaffii ob. Gammadaa- ogeessa karoora itti fayyadama Lafaa Aanaa Adaamaa

[688] Af-gaaffii ob. Gaaddisaa, B/B Pirezidaantii MMA Giddaa Ayyaanaa waliin gaafa 06/01/2013 gaggeeffame.

[689] Keessattuu, lafaa seeraan ala qabachuun sobaan walitti falmuu, lafa mootumma qabachuun falmii kaasuu,kan mootummaa, lafa waliinii irratti falmiin yeroo ka'u battala mana murtii dhaquun ni saaxila.

[690] Afgaaffiiwwan Ob. Dajanee Baqqalaa, I/A/I/Qonnaa Waajjira Qonnaa fi Qabeenyaa Uumaa GANF fi Ob. Bokonaa Darrabaa, D/G/M/Sulaa fi Kunuunsa Bosonaa Waajjira Qonnaa fi Qabeenyaa Uumamaa GANF waliin gaggeeffame.

[691] Af-gaaffii Bulee Halakee, I/A Hoogganaa Waajjira Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa Aanaa Moyaalee waliin gaafa 4/2/2013 gaggeeffame.

jaarsolii araaraatin furachaa jira.[692] Caasaa gandaa fi jaarsolii araaraa walin walqabatee rakkoowwan ka'an fi kanneen sirreeffama barbaadan akka sirraa'an ta'ee haaluma kanaan dura baratameen ganda irraa ka'ee mana murtii idlee yoo dhufee ni filatama.Kanaaf adeemsi amma jiru akkaataadhuma kanaan osoo itti fufee jechuun yaanni kennamee jira. Dabalataanis muuxannoo naannoo Amaaraa fi Beenishaangul-Gumuuz yoo ilaallu walfalmitoonni lamaan dhimmi isaani araaraa akka xumuratan ni akeeka. Akkaataa kanaan yoo waliigaluu baatan gara mana murtii geeffatu. Muuxannoo biyya Taanzaniyaas yoo ilaallu jalqaba falmii isaani mana murtii bulchiinsaa (administrative tribunal) booda irra oliyyannoodhaan gara mana murtii idlee deema. Muuxannoo biyya Naayjeriyaas yoo fudhanne jalqaba mana murtii aadaatti erga ilaalamee booda gara mana murtii deema. Muuxannoo Biyya Filiiphiinsii yoo fudhannes dhimmi falmii lafaa jalqaba gandaa ka'ee jaarsolii araaraan akka ilaalamu dhuma irra gara mana murtii dhaqa. Kanaaf dhimmoonni rakkoo ta'an ammaaf falmiin lafaa gandaa ka'uuun isaa akka miidhaatti ilaalamuu akka qajeeltootti yoo ilaallu faayidaa guddaa kan qabu ta'uu isaa muxxaannoowwan biyyoota biroo fi naannoolee ollaa keenyaa xinxaluu ni dandeenya. Akka Naannoo keenyaatti hawaasni keenya sirna karaa aadaatin dhimmi isaa xumuratu qaba. Inumayyuu akka qorannoon adda addaa mul'isanittii sirnni kun gara caaseefama seeraatti olguddatee akka caasefamni isaa diriiru irratti hojjetamu akeeku[693]. Kanaaf akkaataa barbaachisummaa isaatti caaseeffama jiru fooyyesusun yoo barbaachise akkaataa jalqaba dhimmi lafa gandatti ykn mana murtii aadaatiin ykn caasaa bulchinsa lafaa gandaatin ykn mana murtii bulchiinsaatiin ilaalamee illee, ergasii namni komii qabu booda gara mana murtii idleetti akka fidatu ta'uu qaba malee falmiin lafa mana murtii jalaa bahuu hin qabu. Dabalataaniis mana murtii idlee keessatti bakki ol'anaan falmii lafaatif kenname dhaddachii falmii lafaa qofaatti akkuma dhaddacha daa'immanniii hunda'ee falmiin lafaa akka hiikamu osoo ta'ee gaariidha.[694]

Falmii/Waldiddaa lafaa gandaa ka'uu ilaalchisee dhimmoonni falmisisoo ta'an jiru, kuniis waldiddaan lafaa gandaa jaarsoolii araaraa irraa ka'uu kan ilaallatudha. Dhimma dhaddacha

---

[692] Marii Garee Qonnaan Bultoota Aanaa Guutoo Giddaa waliin gaafa 06/01/2013 gaggeeffame.

[693] Abere Degefa, Justice That Heals and Restores: The Potential of Embracing Borana Oromo Indigenous Justice System Alongside the Ethiopian Formal Criminal Justice System (A Dissertation Submitted to the School of Social Work, AAU, for Partial Fulfillment of the Requirements for Doctor of Philosophy Degree In Social Work And Social Development, June 2015).

[694] Ob. Oliyaad Siiyyum, Pirezidaantii MMO GANF waliin gaafa 25/2/2013 gaggeeffame.

Ijibbaataa M/Murtii W/F/ Jildii 24 irratti lakk. Galmee 169648 ta'een.[695] *Iyyaatan amma/ Himataan jalaa M/M/Aanaa Arsii Nageelleetti Yamaamtoota/Himatamaa jalaa irratti lafa falmiif sababa ta'e heektaara 2 ta'u bara 2004 kaasaanii himatamtoonni seeraan ala najalaa qabatanii waan jiraniif naaf haa gadhisan kan jedhu ture.*

> *Galmeen M/M/Aanaatti akka banamu kan taasise bu'aa araaraa dhiyaate irratti waliigaluu dhabuu ykn komiin jiraachuu ni ibsa. M/M/A falmiin lafa baadiyyaa akkaataa labsii lak.130/1999 kwt 16 gandaa ka'ee jaarsolii araaraatiin ilaalamuu qaba, Haata'u malee bu'aan araaraa dhiyaate galmeen akka banamuu ta'e kan gandaa laftii falmiif sababa ta'ee keessa hin jirree gandaa Goodurroo jedhamuu yoo ta'u laftii falmiif sababa ta'ee garuu kan argamu gandaa Mararoo Hawwiloo jedhamutti waan ta'eef, himataan gaafa bu'aa araaraa ganda laftii famiif sababa ta'ee (Mararoo Hawwiloo) yoo dhiyeefate himata dhiyeessu danda'a jechuun galmee cufe.*

> *Iyyataan komii isaa mana murtii Ol'anaatti dhiyeesse, M/M/O/G fi M/M/sadarkaan jirus Murtii M/M/A murteesse osoo hin fooyyeessiin sanumaa cimsanii. Iyyataan dogoggoraa bu'uraa seera jira jechuun MMWFDHIJ dhiyeefata, Manni murtichaas dhimmichaa qoratee ijoo falmii lafa baadiyyaa irratti ka'u ilaalchisee mana murtiitti dhiyeeffachuuf bu'aan jaarsolii araaraa dirqama moo miti kan jedhu ture.Akkaataa xinxala mana murtichaatti;- Heerra Mootummaa irratti mirga ittifayadama lafaa, dabarsa lafaa tumamee jira, qajeeltoo heera kanaan labsiin BILB mootummaa fedeeraalaan labsii lakk.456/1997 bahe jira, bu'uura labsii kana kwt. 12 dhimma waldiddaa lafaa ilaalchisee bitaa fi mirgi dhimmi isaanii mariidhaan akka furatan yaaliin ni taasifama, yoo waliigaluu baatan jaarsolii araaraa bitaaf mirgaan filatamaani ykn tumaa seera labsii lafa baadiyyaa naannolee keessatti ibsameen akka murtaa'u tumamee jira.Dabalataanis labsiin kana kwt 17 irratti naannoleen seera lafa baadiyyaa akkaa baafatan waan heyyameef, akkaa naannoo Oromiyaatti labsiin 130/1999 bahee hojii irra jira, bu'uuruma labsii kana kwt 16tti falmiin lafa baadiyyaa gandaa jaarsolii araaraa akka ilaalamu yoo waliigaluu baatan mana murtii Aanaatti dhimmichii akka dhiyaatu ni kaa'aa. Qajeeltoo labsii kana irraa kan hubatamu dhimmichii waliigalteen akka*

[695] Dhimma MMFDHIJ dhiyaatee; Iyyataa- Obbo Tashaalaa Waaqoo fi Yamamtoonni Obbo Nugusee Boontuu fa'a N-5, MMWF Dhaddachachi Ijibbaataa jildii 24 irratti lakk. Galmee 169648.

*xumuramu kan taasifamu yoo bitaaf mirgi walii galaan akka ta'e malee, akkaata dirqisisaa ta'een iyyannii bulchiinsa gandaatti dhiyaatee murtiin achitti laatamee namni komii qabu oliyyataan gara mana murtii idileetti haalli itti dhiyaatu dirqisisaan ykn hidhaan adeemsa seeraa diriree (procedural law)hin jiru, kanaaf dursa bulchiinsa gandaatti dhiyaatee jaarsolii araaraatiin dhimmichi furmaata akka argatuu kan taasifamu, filannoo qaamolee bitaa fi mirgaatiif malee dirqisisaa waan hin taaneef M/M/A bu'aa araraa dhiyeessitu malee jedhamee galmeen cufamuu fi Manneen murtii sadarkaan jiranis dhimmichaa osoo hin sirreessin cimsuun dogoggora seeraa bu'uura qaba, MMA dhimmicha fuudhee ilaalu qaba jechuun hiikoo kennee murteessee jira.*

Kana jechuun falmiin yookiin waldiddaan qabiyyee lafa baadiyyaa waliin wal qabate,Gandatti akka hiikamu gochuun garee falmitootaaf carraa eeyyamame malee dirqama akka hin taane fi dhimmichi sadarkaa gandaatti jaarsolii bitaa mirgi filataniin osoo hin ilaalamiin kallattiin Mana murtii idileetti dhihaachuu akka danda'u hiikoo dirqisiisaa kennee jira.

Dhimmicha yeroo xinxallu, ganda lafa falmiif sababa ta'een alatti jaarsolii ganda biraatiin ilaalamuun akka danda'amuu fi yoo ilaalamuu baates sababa kanaan galmeen cufamuu akka hin qabaanne hiikoon dirqisisaa kennuun isaa akkumaa gaarummaa qabu qeeqaa waan qabu fakkaata fakkaata, kunis labsii lakk.130/1999 kwt 16 (1(a) Bulchiinsagandaattiiyyannini dhiyaata jedha; kana jedhuun, bulchiinsaa gandaa laftii falmiif sababaa ta'e keessaa jiru kan ilaallatu malee bulchiinsa gandaa sana alaa ykn dhimma lafaa ganda sana keessaa hin jirre akka hin taanee ifadha, kanaaf M/M/A iyyataan bu'aan araaraa dhiyaachuu kan qabdu kan gandaa laftii falmiif sababaa ta'ee ta'uu qaba, gaafa kana fiddee mirga himata dhiyeessukee sif eegama jechuun tumaa seera labsii 130/1999 kwt 16(1(g) Manni murtii Aanaa bu'aan araaraa jaarsolee gandaatiin kenname osoo hin dhiyaatiin himannaa fudhachuu hin qabu jedhee ifatti ka'ee kan hojii irra oolche fakkaata, Adeemsa labsichaa yoo ilaallu ifaadha, haala dirqisisaa ta'een kaa'ee jira, malee akkaataa barbaachisummaa isaatin hin jenne, ifaatti *bu'aan araaraa jaarsolee gandaatiin kenname osoo hin dhiyaatiin himannaa fudhachuu hin qabu jedhee tumee* jira, Waan kana ta'eef MMWFDHIJ labsii lakk 130/1999 Kwt 16(1) jalatti ulagaawwaann ta'aan sirrtii waan xinxalee hin fakkaatu,ulaagaalee labsicha keessa taa'an irratti osoo hin xiyyeeffatii labsichaa kwt 16(2) jalaatti kan ibsame *tumaaleen keewwata 16 kanaa keewwata xiqqaa 1 jalatti ibsame akkuma eegametti ta'ee, wal hirnattoonni lamaanuu haala barbaadaniin dhimmasaanii fixachuu ykn*

*araaramuu ni danda'u.* kan jedhu  waan xinxale fakkataa kun immoo, xinxalaa sadarkaan dhufe/ super-flow/ isaa eegatee deeme hin fakkaatu. Adeemsa labsichaa keessatti ta'ee yoo ilaallu bu'aan jaarsoolii araaraa murtii dirqisisaa ta'ee akka ol'iyyaatatti kan fudhatamu ta'uu baatuus akkaata kanaan akkaa raawwatamu ifaatti ka'ee jira, Dambii labsii kana raawwachisuuf bahee dambii 151/2005 kwt 18 jalatti ifaatti; *waldiddaa fi waldhabiinsa daangaa yookiin abbummaa qabiyyee lafaa Qonnaan Bulaa, Horsiisee Bulaa yookiin gamisa Horsiisee Bulaa kan akka oorruu, lafa manaa, lafa dheedicha, lafa bishaanii, lafa jallisii fi kan kana fakkaatan ilaalchisee uummamu mana murtii dhaquun dura iyyata bulchiinsa gandaati dhiyaatee jaarsolee araaraa abbootiin dhimmaa filataniin kan ilaallamu ta'a.*Jaarsoleen araaraa yaada tokko irratti kan waliigalan yoo ta‟e yaada irratti walii galame abbootii dhimmaatiif ibsamee akka araaraman ni taasifama. Bulchiinsi Gandaa araara jaarsoleen taasifame guyyaa kudha shan (15) keessatti kan raawwachiisu ta'a. Jaarsoleen araaraa araarsuu kan hin dandeenye yoo ta'e yaadi isaanii barreeffamaan dhiyaatee Bulchiinsa Gandaa mana murtii Aanaatiif kan ergu ta'a jedhee kaa'ee jira[696] kana jechuun yaada bitaaf mirgi irratti waliigalan bulchiinsii gandaa akkaataa waliigaltee isaanitin akkaa raawwachisu danda'u aangoo kenneefi jira, kana malees MMWFDHIJ dhiima kana keessatti kan ilaale dhiimi akkasii fedhii bitaaf mirgaa malee dirqii miti jechuu isaa malee faayidaa maalii qaba, falmiin lafa baadiyyaa gandaa ka'uun isaa bu'aa qabeeessamoo mitii? Faayidaan inni hawasaasichaa fi sirna haqaa keessatti qabu maal fakkataa kan jedhu bal'isee waan xinxale hin fakkaatu. Akkumaa seensa mata duree kanaa irratti ibsamuuf yaalame falmiin tokkoo adeemsi al-idilee idileen yoo hordofee bu'a qabeessummaanii fi si'oominni  qabaachuu danda'aa.[697] Dhimmichaa xinxaluu dandeenya, Adeemsotni kun lamaanuu ciminaa fi dadhabina mataa isaanii kan qaban yoo ta'ellee, adeemsi tokko isa biraa waan deggeruuf adeemsa waldiddaan itti hiikamu bu'a qabeessaa fi si'ataa gochuuf carraan jiru bal'aa dha. Fakkeenyaaf, adeemsi al-idilee adeemsa idileen walbira qabamee yoo ilaalamu akka salphaatti dhaqqabamaa, si'ataa fi baasii xiqqaa kan barbaadu dha. Haa ta'u malee, adeemsi al-idilee falmiiwwan faayidaa uummataa tuqan ofitti fuudhee keessummeessuuf dandeettiin seeraa hir'achuu danda'a. Kana jechuun, adeemsotni lamaanuu kan walgargaaranidha malee, adeemsi tokko qofaa isaa guutummaa guutuutti bu'a -qabeessaa fi si'ataa kan ta'u mitii jechuudha. Akkaata hiikkoo M/M kennetti  akkaata labsii fi dambii keessaa ta'een alatti komii isaa mana murtii idileetti akkaa

[696] Dambii 151/2005 kwt 18(1,10,11)
[697] Walt Baer, Arbitration strategy for Labor and Management Advocates, 2006, fuula, seensa kitaabichaa.

dhiyeefatan kan gargaaruudha. Haata'u malee labsichii falmiin lafa baadiyyaa irraa ka'uun gandaa jaarsoolii bitaaf mirgaan ilaalamu qaba yeroo jedhu akkaata aadaa durii kaasee hawaasin keenya dhimmi isaa ittin fixatu kan jajjabeessudha, Dabalataanis Sirana fedeeraalizim keessattis Mootummaan aadaalee mirgoota bu'uuraa fi namoomaa, dimokiraasii fi Heera Mootummaa hin faallessine akka gabbatanii fi guddatan gargaaruuf ittigaafatamummaa akka qabuu kwt 91 irratti tumaamee jira, Yeroo ammaas manni murtii aadaa akka naannoo keenyaattilabsii lakk.140/2013tiin hunda'uun isaas ni yaadatama, hundeeffamni mana murtii aadaa kunis beekumsa durii kaasee hawaasa keessa jirutti fayyadamuun waldiddaa akka xiqqaatu taasisuu, aadaa fi duudhaa hawaasa keenya ajjabeessu akka ta'e hubatamuu qaba.

Haala aadaatin dhimmaa isaani akka furataani cinaatti falmiin lafa baadiyyaa gandaa irraa ka'uun dhimmoota adda addaatif barbaachiisa guddaa qaba,faakeenyaaf lafa waliinii kan uummanni itti fayyadamuu, lafa mootummaa, lafa bosonaa, lafaa tajaajila hawaasatif oluu irratti darbee darbee samichii lafaa waan mul'aatuf namin qabiyee lafaa kan isaa hin taane irratti yeroo falmii gaggeessu kana akkaata labsichaatiin gandaa fi jaarsoliin araaraan ka'uun isaa dhimmichii hawaasa keessatti akka beekkamuf carran waan banuuf lafoota kana irratti himata sobaa ragaa sobaan deegaramanii qabachuu fi himataa banuu ni xiqqaata, kanaaf faayidaa arman olitti ibsameen alatti samichaa lafaa sababa kanaan uumamu xiqqeessuf gummacha akka qabu afgaaffii fi marii garee qorannoo kanaaf taasisine irra baruun danda'amee jira.[698]

Waan kana ta'eef yeroo dhimmonnii Yakkaa ta'an illee akkaataa walfalmitootni dhimma isaanii seera aadaatiin akka furachuu danda'aniif beekamtiin kennameefii M/Murtii Aadaa akka hunda'u ta'aa jiruu fi M/M kanaafiis dhimma waldhabdee daangaa ilaaluu akka danga'aan aangesee jiru kanaatti[699]. Hiikkoo dirqisisaa akkasii laachuun isaa akkaataa hawaasin naannichaas tajaajila haqaa dhaqqabamaa ta'e argatu,dhugaa fi haqa baasuu irratti bu'a qabeessa ta'u fi adeemsa salphaa hordofani dhimmi isaani akka xumurataan irratti dhiibbaa guddaa kan geesisuu waan ta'eef, Akkaataa kanaan dhimmonnii MMFDHIJ irrratti yeroo murtiin diqisisaan ta'e kennamanii fi xinxalamaan xiyyafannoo guddaa kan barbaadan ta'u kan namatti mul'isuudha.

[698] Obbo Malakuu Furgaasaa fi N-3 Biiroo Bul/Ittu/Lafaa Oromiyaa.
[699] Labsii Mana Murtii Aadaa M/N/O lakk.240/2013 kwt 30

Akka waliigalaatti, waldiddaa lafaa hiikuu waliin walqabatee rakkoowwan qooda fudhattoota sadarkaa sadarkaan jiranii yeroo ilaalamu akka qorannoo kanaaf afgaaffii fi marii garee taasifneen rakkoowwan qabatamaan falmii lafa baadiyyaa hiikuu keessatti mul'atan keessaa gama caasaa gandaan jiru, rakkoo hubannoo seera lafa baadiyyaa irratti hawaasni keenya qabu guddaa ta'uu; guyyaa seeraan taa'e keessatti caasaan gandaa jaarsolii araaraa filachiisuu dhiisuu; jaarsoliin araaraa bu'aa araaraa bitaa fi mirgaa mallatteessuun gandaaf dhiyeessuu diduu; [700] bu'aa araaraa chaaphessee kennuu diduun; rakkoo malaammaltummaa ykn loogii jaarsolii araaraa keessa jiru;[701] sababa uumuun abbaa dhimmaa deddeebisuu[702]; yeroo gabaasanis bu'aa jaarsolii araaraa dhiisanii ejjennoo qabatani barreessuun murtii kennuu; jaarsoliin araaraa bitaaf mirgaan filataman dhimma sana araarsuu dhiisanii garee bakka bu'aniif looguu; yoo caasaan gandaa ykn gosti isaa himata keessa jira ta'e bu'aa araaraa chaappessee kennuu diduu; akka himanni hin banamne taasisuu; erga araaraamanii diiguun fi kkf dha.[703]

Waajjirri bulchiinsaa fi ittifayyadama lafaa gandoota baadiyyaa hunda keessatti ogeessaa bulchiinsaa fi ittifayyadama lafaa baadiyyaa waan qabuuf dhimmii waldiddaa gandaa sana keessaatti ka'u ilaalchisee caasa gandaa deeggaarsa keennuu qaba, dhimmoon komii ka'aan yeroo mul'ataan akka furmaata argaatan deeggarsaa fi hordoffii taasisuun isaan irraa jiraata.

Walumaa galaatti waldiddaa lafaa akkaa salphatu taasisuun gahee qaamolee bulchinsaa fi haqaa ola'aanadha, kana malee sirini bulchiinsaa fi ittifayyadama lafaa hamayaa'aa ta'e diriruu, hojiin kaadaastaraa qabiyyee lafa hojii irraa akkaa oluu taasisu, caaseffamaa fi hojimaata seeraan rakkoo ta'an akka foyya'an taasisuu cinatti leenjiin hubannoo uumuu qaamolee qooda fudhatootaa kennuun tarkanfii barbaachisaa ta'e fudhachuun waldidddaan lafaa akka salphaatu taasisuun barbaachisaa dha.

---

700 Obbo Alamaayyoo Fayyisaa Itti Gaafatamaa Waajjira Bulchiinsaa Aanaa Adaamaa

701 Obbo Fayyisaa Tolasaa, Mana Murtii Waliigala Oromiyaatti Qindeessaa Dhaddacha Ijibbaataa, gaafa 01/03/2013 kan gaggeeffame

702 Marii garee Inspeekter taammiruu Asiraat, Inspeekter Taaddasaa Girmaa, G/inspeekteraa caalaa dalalii , I/A/Saajin Bakkashee Gurmeessaa Waajjira Poolisii Aanaa G/Jaarsoo taasifame irra.

703 Obbo Fayyisa Dirribaa, pireezidantii MMA Leemmoo fi Bibliloo, gaafa 11/02/2013 kan gaggeeffame

# BOQONNAA AFUR

## YAADOTA GUDUNFAAFI FURMAATAA

Argannoowwan odeeffannoo daataa maloota adda addaatti fayyadamuun walitti qabame irraa argame, hogbarruu fi godayyaawwan seerotaa fi caasaa gurmaa'insa bulchiinsa lafa baadiyyaa akka biyyaa fi Naannoo keenyaatti jiru, akkasumas muuxannoowwan biyyoota ambaa fi Naannolee biyya keenya keessatti Heeraan beekamtii argatan irratti hundaa'uun yaadota guduunfaa fi furmaataa akka armaan gadiitti wal duraa duubaan dhiyeessineerra.

### 4.1.Yaadota Gudunfaa

Aangoo dhimmoota lafaa irratti seera baasuu ilaalchisee, haalli bocama sirna federaalizimii, qoodinsi aangoo akka waliigalaatti jiruu fi qabatamni lafa irratti mul'atu mootummaaleen naannoo seera lafaa baafachuu akka danda'an akeeku. Akkasumas, yaadrimeen bulchiinsa lafaa hogbarruuwwan keessatti ibsamee jiru seera baasuu akka dabalatu akeeku. Qabatamatti, mootummaaleen naannoo seera baasuu danda'uufi dhiisuu ilaalchisee burjaajjiin kan jiru ta'uun hubatameera. Maddi burjaajjii kanaa tumaalee Heera Mootummaa RDFI kwt. 52 (2) (d): mootummaaleen naannoo lafaafi qabeenyaa uumamaa biroo kan bulchan <u>akkaataa seerota federaalaatini</u> jechuun kan tumuufi Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa kwt. 47 (2) (c):…<u>seera mootummaan federaalaa baasuun</u> lafaafi qabeenyaa uumamaa biroo ni bulcha jedhamuun kan tumame ta'uu hubatameera.

Karaalee argannaa fi dabarsa lafa baadiyyaa seera bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa keessatti beekaman kanneen akka kenna mootummaa, dhaaltummaa, waliigaltee kennaa, waliigaltee kiraa, waliigaltee waljijjiiruu, waliigaltee hirtaa fi kkf yoo ilaalle, daataan kallattii adda addaatiin sassaabamaa turan irraa ka'uun rakkooleengama seeraanista'an gama hojimaataanmul'atan hedduu ta'uu hubachuun danda'ameera. Haaluma kanaan, rakkooleen kunis gama kenna mootummaatiin jiran qaamolee lafa baadiyyaa bulchaniin qajeeltoowwan bulchiinsa gaarii fi gaafatamummaa kallattii adda addaan jiru (fkn: gaafatamummaa bulchiinsaa, naamusaa fi yakkaa) sirnaan diriire jiraachuu dhibuu fi haala kanaanis sirna namni badii raawwatee argame itti gaafatamu dhibuun bulchiinsi yaraan (maladministration or lack of good governance) garmalee ol ka'ee akka mul'atu taasiseera. Akka fakkeenyaatti, qajeeltoowwan bulchiinsa gaarii kan jedhaman—iftoomina, gaafatamummaa, miira tajaajiltummaa, fayyaalummaa, deebii hatattamaa kan kana fakkaatanii fi qajeeltoowwan kana wajjiin kan wal qabatanii fi adabbii badii

naamusaa ifa ta'e dhibuun yakkii fi badiin naamusaa lafa baadiyyaa irratti yeroo raawwatamu ni mul'ata.

Dhaaltummaa qabiyyee lafa baadiyyaa wajjiin walqabatee, bu'uura tumaalee seeraa fi hojimaata jiruun walbira qabamee yoo ilaalamu, ammayyuu rakkoon kan jiru ta'uu, eenyutu qabiyyee lafa baadiyyaa dhaaluuf mirga qaba kan jedhu ilaalchisees ulaagaan seeraan kaa'ame iftoomina kan hin qabne ta'uu, hojiirra oolmaa seerota sivilii fi seerota bulchiinsaa fi fayyadama lafa baadiyyaa wal simsiisanii hiikuu wajjiin walqabatees (keessumaayyuu hojimaata mana murtii keessatti qabiyyee fi qabeenya walitti makanii qooddachuu (collation)) ilaalchisees qabiyyee lafa baadiyyaa wajjin akkamiin hojiirra ooluu danda'a kan jedhu irratti, kkf rakkoon akka jiru daataa qorannichaaf sassaabame irraa hubachuun danda'ameera. Waliigaltee kennaafi kiraa qabiyyee lafa baadiyyaa ilaalchisees, odeeffannoo daataa funaaname irraa hubachuun akka danda'amutti, tumaalee seerotaa fi hojimaanni lafarra jiru kan wal faallessu ta'uu, maqaa kennaa fi kiraa kanaatiin lafti nama sadaffaatti dabarfamaa kan jiru ta'uu, qajeeltoowwan seeraan kaa'aman kan akka turmaata yeroo waliigaltee kiraa qabiyyee lafa baadiyyaa sirnaan hojiirra oolaa kan hin jirre ta'uu fi kun immoo adeemsa keessa gara falmitti fi waldhabdeetti jijjiiramee falmii abbaa qabiyyummaa kaasee mana murtiitti hojii kan dabaluu fi qonnaan bulaa gidduuttis wal amantaan akka hin jirre taasisaa jira. Kana hundumaa keessatti immoo rakkoo guddaa kan ta'e hojimaata manneen murtii keessatti darbiinsa yeroo dhimmoota armaan olii wajjin walqabateeti. Manneen murtii Naannoo keenyaa keessa hiikkoon kennamu walfakkaatinsaa fi tilmaamamummaa kan hin qabne ta'ee kan mul'atu ta'uu hubatameera.

Akkaataa labsii bulchiinsaa fi ittifayyadama lafa baadiyyaa Naannoo Oromiyaatti lafa walitti aansuun kan raawwatamu fedhiidhaan abbootii qabiyyeetiin yoo ta'u, akkaataan raawwii isaa garuu ifa akka hin taane hubatameera. Haalli waliigalteen isaanii itti mirkanaa'ee galmaa'us ifatti kaayamee hin jiru. Kana malees, mirgi ittifayyadama lafaa nama tokko harka ture yeroo sababa kanaan gara nama biraatti darbu dhimmoonni mirkaneessaa fi galmeessaa ragaa lafaa ykn haaromsa ragaa qabiyyee lafaa ilaallatu labsicha keessatti haala ifa ta'een hin teenye. Dabalataanis, qabiyyeen lafaa kun qabiyyee waliinii abbaa warraa fi haadha warraa yoo ta'e yookiin abbootiin qabiyyee tokkoo ol ta'an waliin qabatanii kan jiran yoo ta'e akkam ta'a kan jedhu seerichi ifatti waan hin teechifneef labsicha raawwachiisuuf dambii bahe keessattis hin haammatamine; haalli raawwii isaa qajeelfama bahuun kan raawwatamu ta'a jedhee bira

darbuus, hanga ammaattis qajeelfamni bahee hin jiru. Muuxannoo naannoo biroo yeroo ilaallu akka Naannoo Oromiyaatti dhimmoota lafa waljijjiiruu fi lafa walitti aansachuu ilaalchisee kanneen labsii fi dambii keessatti ibsaman, akkaataan raawwii isaanii hanqina qaba.

Hirtaan lafaa qonnaan bultoota biratti hedduu hojiirra kan oolu dha. Haa ta'u malee, waliigalteen hirtaa akkaataa seerri barbaadutti barreeffamaan ta'ee waajjira bulchiinsaa fi ittifayyadama lafa baadiyyaa biratti raawwatamaa kan jiru utuu hin ta'iin, gareen waliigalan lamaan waluma amanuudhaan afaaniin godhachaa jiru. Waliigalticha barreeffamaan kan godhatan yoo ta'emmoo, waraqaa waliigaltee sana ofuma bira kaa'u malee waajjirichatti beeksisuun hin jiru. Kanaaf, waldiddaa gama kanaan ka'u akkaataa bu'a qabeessa ta'een hiikamaa hin jiru.

Waligalteen waliin misoomsuu ilaalchisee yeroo abban qabeenyaa waliin waliin misoomsuuf waliigalteen taasifamuu dhimmonni ilaalcha keessa galuu qaban maal fa'ii ykn ulaagaan waliin misoomsuuf barbaachisu hin teechifamne. Kana malees, namni mirga ittifayyadama lafa baadiyyaa qabu qabiyyee isaa guutuu waliigaltee waliin misoomsuu raawwata moo akkuma kiraa lafa walakkaa qabiyyee isaati kan jedhu haala ifa ta'een hin techifamne. Dabalataanis, hangi dheerina/turtii waliigaltee waliin misoomsuu kunis hangamiif akka waliigalamu seerichi akka muuxannoo naannolee biroo ifa waan hin taaneef raawwii keessatti hanqina akka qabu hubatameera.

Qoodinsa qabiyyee haadha warraa fi abbaa warra ilaalchisee abba warraafi haati warraa yeroo gaa'ila ijaarratan kennaadhaan lafa maatii isaanii irraa argatani waggaa hedduuf waliin erga itti fayyadamanii booda, yeroo waldiddaan uumamu lamaan isaanii keessaa tokko qabiyyeen kan keenya miti, kan abbaa ykn haadha kiyyaati, waraqaan ragaa maqaa isaaniitiin jira, gibiras maqaadhuma isaaniitiin itti gabbaramaa jira jechuun, qabeenya fageessuu, qabeenya koo gara obboleessaatti, obboleettiitti galmeessisuuf yaaluun nuti hojii guyyaa hojjenna jechuun kan falman ta'uun hubatameera.

Kana malees, qoodinsa qabiyyee abbaa manaa fi haadha manaa ilaalchisee rakkoo yeroo ammaa mul'achaa jiru keessaa inni ijoon murtii mana murtii osoo hin taane raawwii isaa irrattidha. Yeroo tokko tokko dubartiin hiikkaa gaa'elaa booda qabiyyee lafaa qooddattee deebitee lafa sana qotachuuf ykn qochisiisuuf baay'ee rakkatti. Gahee qabiyyee ishee irraa akka hin fayyadamne

sababa adda addaa uumuun dhorkuu, reebuu, qabeenya irra jiru dhoksaan jalaa mancaasuu, bu'aan oomishaa isaa erga gahee jalaa halkan haammachuun akka mul'atu hubatameera.

Dhimmi argannaa lafaa karaa seeraatiin tumamee kan jiru ta'us karaalee seeraan ala ta'an kana akka gurgurataa ifaa dabalatee tooftaa biraatti fayyadamuun lafa baadiyaa gurguruun jiraachuu qorannoon kun agarsiiseera. Ragaan ifatti gurgurta lafaa agarsiisuu fi nan bitee jedhee falmiin ka'u hagas mara ta'uu baatus, sababoota adda addaatti qabachuun qabatamaan lafti baadiyyaa gurguramaa kan jiru ta'uu xiinxala taasifame irraa ni hubatama. Dhimmi qubannaa fi qabannaa seeraan alaa rakkoo hamaa kan lafa baadiyyaa namootni mirga osoo hin qabaatin lafa bu'uura diinagdee fi siyaasa biyya kanaa ta'e akka fayyadaman taasisaa jira. Kuni immoo irra guddinni isaa hanqina gama bulchiinsa lafaan jiruun kan walqabatu dha. Lafti baadiyyaa sirnaan safaramee tokkoon tokkoon pilootii isaa hin beekamu waan ta'eef mootummaa lafa bulchuu fi itti fayyadama isaa sirnaan hoogganuu irratti hanqina kan qabu ta'uu isaa daatawwan karaa af-gaaffiin argaman agarsiisaniiru.

Dhimma falmii darbiinsa yeroo dambii lafa baadiyyaa lakk.151/2012 keessa jiruun walqabatee rakkootu jira. Gama tokkoon,tumaa seera dambichi bu'uureffatee bahee fi heerawummaa isaa irratti falmiitu jira. Akka galumsa tumaa darbiinsa yeroo dambii kana irra jiruutti darbiinsi yeroo akkaataa argannaa lafa baadiyyaa kessaa isa tokkootti fudhachuun ni danda'ama. Sababiin isaa, namni tokko seeraan alas ta'u lafa baadiyyaa qabatee waggaa 12 fayyadamee jennaan mirga silaa bu'uura seeraatiin hin qabne kan gonfatu ta'aa jechuudha. Kun ammoo labsii bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa Oromiyaatiinis ta'e labsii lafa baadiyya kan Federaalaa akkasumas heera mootumaan kan wal faallessu dha. Gama biraan, abbootii murtii birattis murtiin walfakkaataa akka hin kennamne gochaa jira. Abbootiin murtii kaan tumaa dambii kanaa fudhatanii hojjitti kan hiikan yoo ta'u, kaan ammo keessumattuu dhimma darbiinsa yeroo dhaala lafa baadiyyaa irratti jiru seera biroo yeroon itti fayyadaman ni mul'ata. Gama biraan, dhaddachi ijibbaataas murtii wal walfaallessuyeroo kennu mul'ata.

Mirga abba qabiyyummaa lafa baadiyyaa wabiin qabsiisanii liqeeffachuu ilaachisee abbaan qabeenyaa mirga itti fayyadama lafa baadiyyaa liiziidhaan ykn kiraadhaan mootummaarraa argate mirga itti fayyadamaa fi qabeenya laficharratti horate akka wabiitti qabsiisuu ni danda'a jedhee ifatti kaa'ee jira. Haa ta'u malee,abbaan qabiyyee (qonnaan bulaa, horsisee bulaafi

gamisaa horsisee bulaa) tokko mirga akkasii qabaachuu wanti ibse hin jiru. Kanaaf,haalli raawwii isaa ifa waan hin taaneef dhimmi liqii faana walqabatu seera lafaa keessa taa'uu dhabuun isaa rakkoo akka ta'e hubatameera.Haata'u malee, yeroo dhiyootin asitti, qabatamaan (seeraan ifatti tumamuu baatus),bakkeewwaan waraqaan ragaa marsaa 2ffaaqaqqabe keesssatti waraqaa ragaa qabiyyee lafaa isaanii qabsiisanii liqeeffachuun darbee darbee jalqabameera.

Labsiin bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa lak.130/1999 itti fayyadamni lafa baadiyyaa karooraan ta'uu akka qabu ni akeeka. Ta'us, qabatamaatti, karoorrii fi itti fayyadamni lafaa haala bu'a-qabeessa ta'een hojiirra oolaa hin jiru, qorannoon karoora ittifayyadama lafaa baadiyyaa irratti gaggeeffamanis baasiin kan itti bahe ta'uus hojii irra olmaa isaa irraatti hanqina akka qabu qorannoo kanaan hubatameera. Kanaaf ammoo sababni rakkoowwan imaamata iftomina tfi seeraan deeggarame dhabuu, qindoominaa, to'annoofi hordoffii, kutannoo dhabuu hooggansaa fi loojistikiifi baajataa jiraachuu dha.Qabinsii fi qulqullinni ragaa sirna ragaa lafaan kan walqabatu dha. Sirni ragaa lafaa ammoo dhimmoota galmeessuu lafaa fi waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa kennuufaan walqabata. Akka waliigalaatti, ragaan lafaa amanamummaa qabu jira taanaan falmiiwwan lafaan walqabatanii ka'an hiikuufis ta'e murtiiwwan bulchiinsaa murteessuun salphaa dha. Kaayyoon kenninsa waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa lafaas kana ture. Haa ta'u malee, sababoota gurguddoo sadiif kaayyoon kun akkaataa yaadameen milkaa'aa hin jiru. Tokkoffaa, ragaan bu'uuraa irratti hundaa'amee kennamu amanamaa miti. Yeroo tokko tokko osuma bakka lafa safaramuu hin deemiin hojjettoonni misoomaa waajjiruma taa'anii lafichi kan eenyu akka ta'e, hangam akka bal'atuufi eenyuun akka waldaangessu guutanii aanaaf dabarsu. Waraqaan ragaas sanuma irratti hundaa'ee kennama. Lammaffaa, iddoo baay'eetti sirni qabinsa odeeffannoo maanuwaalii waan ta'eef, fayyadamtootaaf dhaqqabamaa miti; akkasumas, haala naamusawaa hin taaneen daataanis salphaatti jijjiiramuu danda'a. Sadaffaa, kennamee wal hin geenye. Keessattuu, hanqinoota waraqaa ragaa sadarkaa 1ffaa ni hiika jedhamee kennamuu kan jalqabe, kenninsi waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa sadarkaa 2ffaa hedduu hafa. Gabaabumatti, qabinsiifi qulqullinni ragaa lafaa hammayyaawaafi amanamaa miti. Falmiiwwan lafa irratti ka'an hiikuufis ta'e murtiiwwan bulchiinsaa murteessuu keessattis rakkoon ragaan walqabatu ol ka'ee mul'ata. Kamuu caalaa xiyyeeffannoo qaamolee lafa bulchaniifi mootummaa barbaada.

Akkaataa argannaa fi daddabarsa lafa qabiyyee fi mirga lafa baadiyyaa, bulchiinsaa fi fayyadama lafa baadiyyaa, mirgaa fi dirqama fayyadamaa ykn abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa, shoora mirgi ykn qabiyyeen lafa baadiyyaa gama dinagdee, hawaasummaa fi siyaasaatiin taphatu, karoora fayyadama lafa baadiyyaa, kkf ilaalchisee imaammanni ifaa fi hunda-hammataa (clear and comperehsnive rural land use and administration policy) dhibuu irraa kan ka'e kallattii adda addaatiin rakkoo fi miidhaan gahaa tureera. Qaamni dhimmi ilaalus rakkoolee kanaaf imaammata sirrii ta'e diriirsuudhaan furmaata kennuu akka qabu gareen qorattootaa kun ni amana.

Lafti baadiyyaa kallattiidhaanis ta'e al-kallattiidhaan qaamolee mootummaa hedduu wajjin hidhata qaba. Fakkeenyaaf, sadarkaa biirootti yoo ilaalle, kallattiidhaan lafa kan bulchu Biiroo Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Oromiyaati. Haa ta'u malee, Biiroleen ykn qaamoleen mootummaa biroonis: Koomishinii Investmentii, Dhaabbata Bosonaa, Biiroo Eegumsa Naannoo fi Jijjiirama Qilleensaa, Biiroo Qonnaa, Biiroo Albuudaa, kkfaangoo fi hojiin isaanii lafa wajjin wal qabata. Qaamoleen mootummaa kun aangoo fi hojiin isaanii bakka walfakkaatus jiraachuu waan danda'uuf, akkasumas hojii inni tokko hojjetu kan inni tokko hojjetu irratti waan hundaa'uuf, qindoominni cimaa fi sirnaawaa ta'e, kan seera bu'uura godhate hin jiru taanaan bulchiinsaa fi fayyadama lafaas ta'e kanneen biroo irratti milkaa'uun hin danda'amu. Qaawwi guddaan uumamee jiru inni tokko rakkoo qindoomina qaamolee mootummaa hidhata qaban kanaa wajjin kan walqabate akka ta'e qorannoo kanaan adda bahee jira.

Lafti baadiyyaa daangaa lafa magaalaa jala kan galu pilaaniidhaani. Kana keessatti, magaallii fi baadiyyaan daangaa isaanii adda baasuun wal-harkaa fuudhinsa taasisuu qabu. Akka Oromiyaatti, qajeelfamni walharkaa fuudhinsi kun itti raawwatu (qaj.lak. 2/2011) ba'uun hojiirra ooleera. Akka qajeelfama kanaatti, adeemsi barbaachisu hundi erga xumuramee booda, hojiin walharkaa fuudhinsaa hanga ji'a jahaatti xumuramuu qaba.  Haa ta'u malee, qajeelfamni kun akkaataa barbaadamuun yeroo jedhame keessatti hojiirra oolaa hin jiru.  Bulchiinsi aanaafi bulchiinsi magaalaa walharkaa fuudhuuf fedhii hin qaban. Osuma walharkaa fuudhinsa hin taasisiin yeroo dheeraa turuuti jira. Kun ammoo gochaawwan seeraan alaa kan akka ijaarsa seeraan alaa babal'isaa jira. Dabalataan, ijoowwan falmii ta'uun manneen murtiitti dhiyaachaa

jiru. Qaamolee hawaasaa hedduu waan tuquuf falmiiwwan akkasii hiikuufis rakkoo ta'uun hubatameera.

Hojiin qonnaa qaama bishaaniitti dhiyaatee kan hojjetamu yoo ta'e, miidhaa irraan geessisuu danda'a. Akka waliigalaattuu, hojiin hojjetamu tokko naannoo qaama bishaaniitti dhiyoo yoo ta'e dhiibbaa irraan gahuun isaa waan oolu miti. Biyyoota biroo keessatti hojiin hojjetamu tokko qaama bishaanii irraa fagaachuu akka qabu seerri tumu ni jira.Akka biyyaattis ta'e, Naannoo Oromiyaatti hojiin qonnaa qaama bishaanii irraa hangam fagaachuu akka qabu seerri ifatti tume hin jiru. Hog-barruuwwanis ta'e, muuxannoon biyyoota biraa dabalatee odeeffannoon af-gaaffii irraa argame hojiin qonnaa qaama bishaanii irraa hanga ta'e fagaachuu akka qabu agarsiiisa. Nutis akka qorattootaatti afaan ingiliziin 'buffer zone' kan jennu sun jiraachuu akka qabu itti amanna.Hagam fagaachuu akka qabu garuu haala naannoo ilaaluun qorannoo addaatiin ta'uu akka qabu itti amanameera.

Hanga bal'inaa lafaa baadiyyaa ol'anaan abbotiin qabiyyee tokkoo qabachuu danda'u ( maxmum land holding right)  murteessuu ilaalchisee, daataan karaa af-gaaffiin argame kallattii lama agarsiisa. Gariin hangi isa ol'aanaa seeraan taa'uun gaarii dha yoo jedhu; kaan ammo kun hin barbaachisu jedha. Xiinxala gaggeessineen wanti nuti arganne ammatti hanga bal'ina lafa isa ol'aanaa tumuun faayidaa isaarra miidhaa isaatu caala waan ta'eef hin baarbaachisu kan jedhudha. Gama tokkoon labsiin lafa baadiyyaa hanga bu'a qabeessummaa lafaa tilmaama keessa galchuun isa xiqqaa teechisee jira.  Lafti immoo irra deebi'amee qoodamuu akka hin dandeenyes tumeera. Lafti baadiyyaa namoota hagamiin humnaa ol qabamee lafti osoo hin misoomiin hafee inni kaan ammo rakkoo lafa dhabuun miidhamaa jira kan jedhus hin qoratamne. Kanaafuu, miidhaan gama qabiyyee lafa baadiyyaa isa ol'aanaa kaa'uu dhabuun gahe hin beekamu jechuu dha. Kun hanga hin beekamnettimoo gama seeraan isa ol'aanaa murteessuun hin barbaachisu. Kana malees yoo gara lafa qabiyyee baadiyyaa isa ol'aanaa murteesuutti kan deemamu ta'e lafa irra deebi'aanii safaruun irra deebi'anii qooduu barbaachisa. Kana gochuuf ammoo baajata guddaa, humna namaa guddaa akkasuma ragaa lafaa amma jirullee kan miidhu dha. Yeroo hirmaata lafaa taasifame keessaatti namoota lafa bal'aa human olqabatan jedhamanis lafa kana miseensa maatii isaanitif bifa kennaaf dhaalmaan daddaabarsaa waan turaanif hanga dhimmonnii armaan olitti ibsaman kun ifatti adda hin baaneetti amma gara sanatti deemuun barbaachisaa akka hin taane hubatameera.

## 4.2. Yaadota Furmaataa

Yaadotni furmaataa bu'uuruma gaaffilee qorannoo sadaniin akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

### 4.2.1. Aangoo Seera Lafaa Baasuu Ilaalchisee

Aangoo seera lafaa baasuu ilaalchisee tumaalee Heera Mootummaa RDFI fooyyeessuun barbaachisaa dha. Haaluma kanaan, mootummaan federaalaa lafaa fi qabeenya uumamaa biroo ilaalchisee aangoo seera waliigalaa baasuu (framework legislative power) fi mootummaaleen naannoo ammoo seera waliigalaa mootummaan federaalaa baasu irratti hundaa'uun ofiif seera baafachuu akka danda'an Heerri Mootummaa RDFI ifatti yoo tume gaarii dha. Kanaan walqabatee tumaaleen qabatamatti burjaajjii uumaa jiran: Heera Mootummaa RDFI, kwt.52(2)(d) fi Heerri Mootummaa Naannoo Oromiyaa, kwt. 47(2) (c) haaluma kanaan fooyya'uu qabu.

### 4.2.2.Dabarsaafi Bulchiinsa Lafaa Ilaalchisee

1. Kenna mootummaa ilaalchisee sirna bulchiinsa lafa baadiyyaa ammayyaa qabaachuu fi qajeeltoowwan bulchiinsa gaarii lafaatiin hojjechuu; bakka badiin ykn yakki raawwatamee argametti karaa gaafatamummaa bulchiinsaa, naamusaa fi yakkaa mirkaneessuun danda'amu irratti kutannoon hojjechuun barbaachisaa dha. Kun rakkoowwan akka lafa tokko irratti waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa nama lamaa fi sanaa oliif kennuu, lafa kanaan dura seeraan qabame irratti akka bakka bu'insaatti kennuu fa'a hiikuu keessatti gahee mataa isaa waan qabuufi. Foormiin kenniinsa lafaa kan bara mootummaa dargii qophaa'e qabatanii akka mirriitiidhaan lafti kennamee fakkeessanii waajjirumatti hojjechuun waan jiruuf hojmaata badaa akka kanaa dhabamsiisuuf qaamni dhimmi ilaalu irratti hojjechuu qaba. Addumatti immoo Daayirektooreetiin Naamusaa Biiroo Lafaa Oromiyaa dhimma gaafatamummaa badii naamusaa irratti gararraa hamma gajjallaatti sirriitti hojjechuu qaba
2. Dhimma dhaaltummaa qabiyyee lafa baadiyyaa irratti akkaataa seera sivilii, heeraa fi seerota lafa baadiyyaa walsimsiisanii ittiin hojjechuun danda'amu irratti abbootii seeraa gidduutti walfakkaatinsi hojimaataa jiraachuun barbaachisaa dha.Kanaaf ammoo eenyuti dhaaluu danda'a ykn miseensi maatii eenyu kan jedhu akkaataa walitti hidhaminsa qabiyyee lafaa fi aadaafi duudhaa uummata Oromoo jidduu jiru jiddu-galeessa godhateen hiikkoo itti kennuun barbaachisaa dha. Labsiin federaalaas miseensa maatii jechuun maal jechuu akka ta'ee mootummooleen naannoo akka hiikkataniif banaa akka ta'utti fooyyeessuun barbaachisaa dha.

Raawwiin murtii falmii dhaaltummaa qabiyyee lafa baadiyyaa akkaataa staandaardii bal'ina lafaa seeraan kaa'amee eeguu qaba. Mirga dursaa jedhamee kan kaa'ame keessatti namoota galii qabanii fi hin qabne jedhamee kan qoodame galii akkamii ykn hammamii kan jedhamu seeraan ykn murtii dhaddacha ijibbaataatiin hamma danda'ametti ifatti kaa'amuu ykn murtaa'uu qaba. Keessumaayyuu, danbiifi qajeelfama keessatti dhimmoonni akkasii ifatti gadi fageenyaan otoo tumamanii ni filatama.

3. Eenyu kennaan lafa baadiyyaa argachuu danda'a kan jedhu eenyu dhaaluu danda'a kan jedhuun akkaataa walfakkaatutti yoo hubatame gaarii dha. Hojimaanni waliigaltee kennaa fakkeessuun bittaafi gurgurtaa lafa baadiyyaa ittiin gaggeeffamu hafuu qaba. Kanaafis qaamni dhimmi ilaalu kana irratti ciminaan hojjechuu qaba. Karaa seera siviliitiin kaa'ameen alatti kenna qabiyyee lafa baadiyyaa fakkeessuutiin dhaaltummaa keessaa buqqisuun hafuu qaba. Waliigalteen kennaa qabiyyee lafa baadiyyaa ulaagaa fi foormii seeraan kaa'ame eeggatee taasifamuu qaba. Kana ta'uu baannaan waajjiraaleen bulchiinsaafi itti fayyadamni lafaas ta'an manneen murtii kennaa taasifame gatii dhabsiisuu qabu. Tajaajilicha dhaqqabamaa taasisuuf caasaan waajjira gandaa irraa jiru humna namaanis ta'e loojistikiin cimuu danda'uu qaba.
4. Baratamni yeroo gaa'elli raawwatamu kennaan taasifamee yeroo gaa'elli diigamu immoo haaluun hawaasa keessatti hafuu qaba. Keessumaayyuu, inni kun mirga dubartootaa wajjiin wal qabatee miidhaa guddaa waan fiduuf, yeroo gaa'elli raawatamu ifatti kennaan ta'uun isaa foormii isaa eeggatee barreeffamuu qaba. Namoonni warra walfuudhan wajjiin yeroo sana jiranis dhimma kana hatattamaan raawwachuu fi raawwachiisuu akka danda'an hubannoo uumuun barbaachisaa dha.Kanaaf immoo hubannoo seeraa uumuuf qaamni aangoo qabu Abbaa Alangaa waan ta'eef qaama dhimmi ilaalu, keessattuu Biiroo Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafaa wajjiin ta'uun irratti hojjechuu qaba. Kana gochuudhaanis rakkoon gama hubannoo seeraatiin jiru ni furama.

Turtii yeroo ilaalchisee abbaa warraas ta'e haati warraa gaa'ila diigan qabiyyee lafaa qooddachuuf yoo xiqqaate waggoota sadiif waliin turuu akka qaban seeraan ifatti tumuun rakkoo qabatamaa yeroo ammaa yerooma gabaabaa keessatti diiguun daddabalanii qooddachuu hiikuuf ni gargaara.

5. Waliigalteen kiraa lafaa akkaataa seeraan kaa'ameen raawatamuu qaba: barreeffamaan ta'ee waajjira lafaatti galmaa'uu qaba. Kaayyoon kiraa lafaa ifatti beekamuu qaba. Waliigalteen biraa otoo ifatti hin jiraatiin waliigaltee kiraa qofa irratti hundaa'uun biqiltuu, gamoo fi ijaarsa adda addaa raawwachuun balaa (risk) waan qabuuf ifatti seeraan tumamuu qaba. Kana irra darbee kan raawwatamu yoo ta'e ammoo miidhaa dhaqqabu abbumti raawwate fudhachuu akka qabutti seeran tumamuu qaba. Waliigalteen kiraa lafaa yeroo isaaf kaa'ame keessatti xumuramee abbaa qabiyyeef deebi'uu qaba. Kanaaf immoo qaamni dhimmi ilaalu hundi, keessattuu Biiroon Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafaa to'annoofi hordoffii taasisuu qaba. Akkaataa seeraan kaa'ameen waliigalteen kiraa lafaa yeroo taasifamu ogeessi gargaarsa ogummaa akka taasisuuf qaamni dhimmi ilaalu deeggarsa taasisuu qaba.
6. Qabiyyee walitti aansuu ykn waljijjiiruu fi waliin misoomsuun fedhii qaamolee lafa waljijjiiran ykn waliin misoomsan irratti kan hundaa'u ta'us, haalli waliigaltichi itti raawwatamu ilaalchisee hammatni seeraa gahaa ta'e waan hin jirreef, raawwii irratti rakkoo uumaa jira. Dabalataanis, qabiyyeen lafaa kun qabiyyee waliinii abbaa warraa fi haadha warraa yoo ta'e yookiin abbootiin qabiyyee tokkoo ol ta'an waliin qabatanii kan jiran yoo ta'e akkam ta'a?  kan jedhu ilaalchisee haalli raawwii isaa qajeelfama ba'uun kan murtaa'u ta'uu akeekamus hanga hammaatti qajeelfamni bahe hin jiru. Waan ta'eefuu, akkuma seerota lafa baadiyyaa naannolee biroo akkaataa lafa walitti aansaniifi waliin misoomsan ilaalchisee uwwisa seeraa ifa ta'eefi gadi fageenya qabu baasuun barbaachisaa dha.
7. Hirtaa lafaa ilaalchisee waliigalteen hirtaa akka seerri barbaadutti barreeffamaan ta'ee waajjira bulchiinsaa fi ittifayyadama lafa baadiyyaa biraatti raawwatamaa kan jiru utuu hin taiin, gareen waliigalan lamaan waluma amanuudhaan afaaniin godhatu. Waliigalticha barreeffamaan kan godhatan yoo ta'emmoo, waraqaa waliigaltee sana ofuma bira kaa'uu malee waajjirichatti beeksisuun hin jiru. Kanaaf, sababa kanaan waldiddaa fi waldhabinsi ka'aa waan jiruuf, hirtaan lafaa immoo hawaasa qonnaan bulaa keessatti baay'ee kan baratameef itti fayyadamaa jiramu waan ta'eef, Biiroon Lafaafi Itti Fayyadama Lafaas caasaa hanga gandaatti diriiree jiru fayyadamuun dhimma kana irratti qonnaan bulaaf hubannoo seeraa yoo kenne gaarii dha.
8. Qoodinsa qabiyyee haadha warraa fi abbaa warra ilaalchisee abba warraafi haati warraa yeroo ga'ila ijjaraatan  kennaadhan lafa maatii isaani irraa argataani  waggaa hedduuf waliin erga itti fayyadamanii booda, yeroo waldiddaan uumaamuu lamaan isaanii keessaa tokko

qabiyyeen kan keenya miti; kan abbaa ykn haadhaa kiyyaati, waraqaan ragaa maqaa isaaniitiin jira; gibirris maqaadhuma isaniitiin itti gabbaramaa jira jechuun qabeenyaa fageessuu, qabeenya koo gara obboleessaatti, obboleettiitti galmeessisuuf yaaluun nuti hojii guyyaa hojjenna jechuun falmii kaasaa waan jiraanif dhimmi kana bu'uura irraa furuuf akkataa qabiyyee waliin isaanii kana karaa seera qabeessa ta'een gara maqaa isaaniitti naanneeffaatani irratti hubannoo seeraa hawaasa bal'aaf kennuun barbaachisaa dha. Kana malees, qoodinsa qabiyyee abba manaafi hadhaa manaa ilaalchisee rakkoon yeroo amma mul'achaa jiru raawwiin walqabata. Yeroo tokko tokko dubartiin hiikkaa gaa'elaa booda qabiyyee lafaa qooddatte deebitee lafa sana qotachuuf ykn qochisiisuuf baay'ee rakkatti. Sababa adda addaa uumuun dhorkuu, reebuu, qabeenyaa irra jiru dhoksaan jalaa mancaasuu, bu'aa oomishaa isaa ergaa gahee jalaa halkaan hammaachuun ni jira. Rakkoon kun dubartii irratti bal'inaan mul'atus dhiira irrattis darbee, darbee ni mul'ata. Kanaaf, murtii akkasii raawwachiisuuf deeggarsaa fi xiyyeeffannoo addaa taasisuun barbaachisaa dha. Kana keessatti waajjiraaleen dhimmi ilaallatu kan akka Mana Murtii, Biiroon Dhimma Dubartootaa, Daa'immanii fi Dargaggootaa, fi Komishinii Poolisii waliin atoomuun hojjechuun barbaachisaa ta'a.

9. Bittaa fi gurgurtaan iddoo baay'eetti kan raawwatamu tooftawwan sobaa kanneen akka kennaafi kkf fayyadamuuni dha. Kanaaf ammoo ka'umsi ragaan lafaa sirnaan qabamuu dhabuu fi alnaamusummaa manneen hojii mootummaa, keessattuu waajjiraalee bulchiinsaafi itti fayyadama lafaa fi bulchiinsota gandaa keessatti mul'atu dha. Waan ta'eefuu, sirnaqabiinsa ragaa fi bulchiinsa lafaa hammayyeessuun murteessaa dha.Rakkoowwan al-naamusummaa mana hojii bulchiinsa lafaan walqabatu bulchaa gandaa dabalatee irratti hojjechuun barbaachisaa dha.
10. Rakkoo qubannaa fi qabannaa seeraan alaaa kana hambisuuf bulchiinsa lafaa hammayyeesuun barbaachisaa dha. Keessattuuu, lafti naannicha keessatti argamu hundi safaramee beekamee eenyu harka akka jiruu fi maaliif itti fayyadamaa akka jiru beekuun warra bulchiinsaa fi itti fayyadama lafaa irraa eegama.Akkasumas, ogeessota bulchiinsa lafaa irratti hojjetan ogummeessuu fi naamusa irraa barbaachisu akka horatan taasisuun murteessaa dha.
11. Rakkoo qubannaa fi qabannaa seeraan alaaa kana hambisuuf bulchiinsa lafaa hammayyeesuun barbaachisaa dha. Keessattuuu, lafti naannicha keessatti argamu hundi

safaramee beekamee eenyu harka akka jiruu fi maaliif itti fayyadamaa akka jiru beekuun warra bulchiinsaa fi itti fayyadama lafaa irraa eegama.Akkasumas, ogeessota bulchiinsa lafaa irratti hojjetan ogummeessuu fi naamusa irraa barbaachisu akka horatan taasisuun murteessaa dha.

12. Seerotni muummee bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa amma hojiirra jiran darbinsa yerootiin lafti akka argamu hin hayyaman. Waan ta'eefuu, tumaan dambii bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa turtii waggoota 12 booda lafti akka argamu tumu haquun barbaachisaa dha. Falmiiwwan darbiinsa yeroo dhimmoota lafa baadiyaa waliin walqabatanii ka'an hundaaf dambii lafaa fayyadamuun sirrii miti. Kanaafuu, manneen murtii keenya akkuma dhimma isaatti seerota hariiroo hawaasaa waa'ee darbiinsa yeroo ilaallatanitti dhimma bahuu barbaachisa. Akka furmaata yeroof garuu, maneen murtii dhimmicha seerota bu'uuraa waliin ilaaluun hiikkoo itti kennuu barbaachisa. Keesattuu, dhaddachi ijibbaataa dhimma kana irratti bu'uura labsii 216 tiin murtii dirqisiisaa wayii kennuun barbaachisaa dha.
13. Mirga abba qabiyyummaa lafa baadiyyaa wabiin qabsiisanii liqeeffachuu ilaachisee abbaan qabeenyaa mirga itti fayyadama lafa baadiyyaa liiziidhaan ykn kiraadhaan mootummaarraa argate mirga ittifayyadamaa fi qabeenya laficharratti horate akka wabiitti qabsiisuu ni danda'a jedhee ifatti ka'ee jira.  Haa ta'u malee, abbaan qabiyyee (qonnaan bulaa, horsiisee bulaa fi gamisa horsiisee bulaa) tokko mirga akkasii qabaachuu wanti ibsee hin jiru. Kanaaf, haallii raawwii isaa ifa waan hin taaneef dhimmi liqii faana walqabatu seera lafaa keessaa taa'uu dhabuun isaa rakkoo ta'ee jira.  Haa ta'u malee, yeroo dhiyootiin asitti bakkeewwaan waraqaan ragaa marsaa 2[ffaa] qaqqabee keesssatti waraqaa ragaa qabiyyee lafa isaanii qabsiisanii liqii liqeeffachuun darbee, darbee jalqabamee jira. Muuxannoo naannoo biroo yoo ilaalles dhimmi akkasii seera lafaa isaanii keessatti sirritti taa'ee jira. Kanaaf, labsiin bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa fooyyaa'u dhimma kanaaf aguuggii kennuun barbaachisaa dha.
14. Itti fayyadama lafaa karooraan hoogganuun barbaachisaa dha. Kanaafis hooggansi sadarkaan jiru kutannoon hojjechuu qaba-baajataafi loojistikii hojichaaf barbaachisus ramaduun barbaachisaa dha.
15. Imaammanni lafaa ifaa fi hunda-hammataa (clear and comprehensive) ta'e qophaa'ee hojiirra oolmaan isaas yeroo yerootti ilaalamaa ykn madaalamaa deemuu qaba.

16. Qindoominni qaamolee dhimma lafaa wajjin hidhata qabanii murteessaa waan ta’eef yeroo otoo itti hin kenniin dhaabbileen mootummaa kan akka Biiroowwan akka Bulchiinsaa fi Fyyadama Lafa Baadiyyaa, Albuudaa, Bosonaa, Jijjiirama Qilleensaa fi Eegumsa Naannoo, Investmentii, kkf karaa ifaa fi bu’uura seeraa ykn qajeeltoo irratti hundaa’een qindoomina uumuun waliin hojjechuu qabu.
17. Sirna ragaa lafaa hammayyeessuufi teekinoloojiin deeggaruun rakkoowwan bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaan walqabatanii ka’an furuu keessatti murteessaa dha. Kun humnaa fi qabeenyaa guddaa akka barbaadu beekamaa dha. Ta’us, barbaachisaa waan ta’eef, kana gochuuf mootummaan, keessattuu Biiroon Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafaa kutannoon itti seenuu qaba.
18. Bakkeewwan lafti baadiyya daangaa magaalaa jala galetti bu’uura qajeelfama walharkaa fuudhinsaa lak.2/2011’tiin ji’a jaha keessatti walharkaa fuudhinsi gaggeeffamuu danda’uu qaba. Qabatamatti, kun ta’aa hin jiru. Kanaafis sababoonni gurguddoo jiran qajeelfamichaafi dambii liizii walbira qabuun sirnaan hubachuu dhabuufi sirni diriiree jiru guutuu ta’uu dhabuu (bulchiinsi magaalaafi aanaa walharkaa fuudhuu yoo dhaban itti gaafatamummaa attamii akka qaban ifatti seerri dhibuu, hanga beenyaan kaffalamutti mirgi abbaa qabiyyee itti fufuuf jedhamee mirkaneessi kennamu lafichi qaama biraatti akka hin dabarreef sirni to’annoo jiru qaawwa qabaachuu) dha. Waan ta’eefuu, sirna walharkaa fuudhinsaa diriiree jiru guutuu taasisuu (Fknf- bulchiinsi magaalaafi aanaa ji’a jaha keessatti walharkaa fuudhuu yoo baatan akka itti gaafataman seera ifatti tumu baasuu) fi sirna diriiree jiru irratti hubannoo kennuun barbaachisaa dha.
19. Hojiin qonnaa qaama bishaaniitti dhiyaatee kana hojjetamu yoo ta’e miidhaa irraan geessisuu danda’a. Akka waliigalaattuu, hojiin hojjetamu tokko naannoo qaama bishaaniitti dhiyoo yoo ta’e dhiibbaa irraan gahuun isaa waan oolu miti. Biyyoota biroo keessatti hojiin hojjetamu tokko qaama bishaanii irraa fagaachuu akka qabu seerri tumu ni jira. Akka biyyaattis ta’e naannoo Oromiyaatti hojiin qonnaa qaama bishaanii irraa hangam fagaachuu akka qabu seerri ifatti tume hin jiru. Hog-barruuwwanis ta’e muuxannoon biyyoota biraa dabalatee odeeffannoon af-gaafii irraa argame hojiin qonna qaama bishaanii irraa hanga ta’e fagaachuu akka qabu agarsiiisa. Nutis akka qorattootaati afaan ingiliziin ‘buffer zone’ kan jennu sun jiraachuu akka qabu itti ammanna. Hagam fagaachuu akka qabu garuu haala naannoo ilaaluun qorannoo addaatiin ta’uu qaba. Kana gochuuf qorannnoon biraa addatti dhimmicha

irratti ogeessota qonnaan kan barbaachisuu ta'ee; Labsii lafa baadiyyaa keessatti dhimmicha hammachiisuun gaarii dha. Kunis qonnaan bulaan yoo garanumaa hubatee hojii qonnaan miidhaa qaama bishaanii irratti akka hin geessisne taasisuu danda'a waan ta'eefi dha.

20. Hanga qabiyyee lafaa isa ol'aanaa seeraan murteessuun barbaachisaadha moo hin barbaachisu yaada jedhu ilaalchisee daataan walitti qabame walii lama agarsiisa. Yaadni tokko inni ol'aanaa seeraan murtaa'uu qaba kan jedhu yommuu ta'u, yaadni biraa ammoo seeraan murteessuun barbaachisaa miti kan jedhu dha. Xiinxala gaggeessineen wanti nuti arganne ammatti hanga bal'ina lafa isa ol'aanaa tumuun faayidaa isaarra miidhaa isaatu caala waan ta'eef hin baarbaachisu kan jedhudha. Gama tokkoon labsiin lafa baadiyyaa hanga bu'a qabeessummaa lafaa tilmaama keessa galchuun isa xiqqaa teechisee jira. Lafti immoo irra deebiyamee qoodamuu akka hin dandeenyes tumeera. Lafti baadiyyaa namoota hagamiin humnaa ol qabamee lafti osoo hin misoomiin hafee inni kaan ammoo rakkoo lafa dhabuun miidhamaa jira kan jedhus hin qoratamne. Kana jechuun, miidhaan gama qabiyyee lafa baadiyyaa isa ol'aanaa kaa'uu dhabuun gahe hin beekamu jechuudha. Kun hanga hin beekamnettimoo gama seeraan isa ol'aanaa murteessuun hin barbaachisu. Kana malees yoo gara lafa qabiyyee baadiyyaa isa ol'aanaa murteesuutti kan deemamu ta'e lafa irra debiyaanii safaruun irra deebiyanii qooduu barbaachisa. Kana gochuuf ammo bajata guddaa, humna namaa guddaa akkasuma ragaa lafaa amma jirullee kan miidhudha.Waan ta'eefuu, ammatti gara sanatti deemuun barbaachisaa hin fakkaatu.

21. Faayidaa ol'aanaa uummataaf jedhamee yeroo lafti hawaasa horsiisee bulaa fudhatamu akkuma lafa naannoo hawaasa qonnaan bulaa fi gamisa qonnaan bulaa beenyaan gahaan akka kaffalamu osoo ta'ee, ykn akkaataa beenyaa lafa waliinii kana irraa argamuun hawaasichi irraa fayyadamu taasifamee gaarii dha. Kanaafis Labsii Faayidaa Uummataaf Lafa Gadhiisuu, Shallaggii Beenyaa,fi Namoota Buqqaafaman Deebisanii Dhaabuu Lak. 1161/2011[704] Mootummaa Federaalaan bahe hubachuun guutummaatti hojiirra oolchuun barbaachisaa dha.

22. Yeroo ammaa labsiifi dambiin bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa lafa qonnaan bultootaa, gamisa horsiisee bultootaafi horsiisee bultootaa iddoo tokkotti qabatee jira. Haa ta'u malee, lafti qonnaan bulaa fi horsiisee bulaa amala adda addaa qaba. Kanaaf, dhimmoota

[704] Expropriation of Land holdings for Public Purposes, Payments of Compensation and Resetlement of Displaced People Proclamation, Proc. No. 1161/2011

lachuu labsii adda addaan hoogganuun gaarii dha.Labsiima tokkoon hoogganuun ni barbaachisa kan jedhamu yoo ta'e ammoo lafa horsiisee bulaa ykn gamisa horsiisee bulaaf uwwisa seeraa gahaa kennuun barbaachisaa dha.

23. Akkaataa kenni misooma lafa albuudaa iftoomina haala qabuun osoo raawwatamee, kana malees caasaan sadarka sadarkaan jiru kana beekee hordoffiifi to'annoo wal irra hin cinnee taasisuun; kan malees to'annoofi hordoffii lafa albuudaa qaamolee adda addaan kan raawwatamuu yoo ta'u, hojiin laftii albunnii keessa bahee deebisani misomsuun ykn guutamu kan raawwaachisu ifaamiti, kanaaf akkaata iftoomina qabuun haalli raawwii isa akka diriiruuta'u qaba.
24. Lafainvestimeentiif kennuun duraa hawaasa naannichaa mariisisuu, hawaasni naannoo investimentii (misooma)gaggeeffamuu sana irraa akka fayyadamu taasisuu, beenyaa gahaa akka kaffaluu gochuu fi kaafamtonni misoomaas beenyaa fudhatanii jireenyaa isaanii gara fuulduraa akka gaggeeffatan deebi'anii akka dhaabbatan/ijaaraman/taasisuun hojjetamuu qaba. Dabalataanis, investimenticha akka qabeenyaa isaanitti akka ilaalaan qaamni dhimmi ilaaluu yeroo misooma gaggeessuuf lafa fudhatan hawaasa naannichaaf kan waadaa galan hawaasichaaf akka raawwataan taasisuu qaba.
25. Haallii lafa bosonaa itti buluu hanqina qaba,bakkeewwan adda addaatti laftii bosonnaaf daangeffame saayit pilaanii hin qabu;, kan qabus daangaan isaa kabajamaa hin jiru, qabannaa fi qubannaan seeran alaa keessatti raawwaatama waan jiruf Namni kamiyyuu seeraan ala bosona keessa kan qubate (gale) gad dhiisee akka ba'u badii bosona irraan ga'eefis seeraan akka itti gaafatamu taasifamuu qaba.kana malees lafa bosonaa ciranii ittifayyadama isaa jijjiraa waan jiraniif Qaamoleen dhimmi ilaalatu (Biiroon Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa, Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo Bosonaa fi Jijjiramaa Qilleensaan, Intarprayzii Dhaabbata Bosonaa fi Bineensa Bosonaa, Qaamolee haqaa) waliin ta'uun hojii hubannoo uumuu cinatti qindominaan waldubbisanii hojjechuun irra jiraata.
26. Qoodinsi lafa jallisii akkaataa seeraatiin akka raawwatamu taasisuu, hordoffii fi deeggarsa barbaachiisaa ta'e raawwachuu.

### 4.2.3.Hiikkaa Waldiddaa (Falmii ) Lafaa Ilaalchisee

Falmii lafaa hiikuu ilaachisee muuxannoo biyyootaa fi naannolee adda addaa yoo ilaallu dhimmi falmii lafaa jalqaba gandaa ka'ee jaarsolii araraan akka ilaalamuu fi dhuma irratti ammoo gara mana murtii akka dhaqu dha. Af-gaaffiiwwan dhimma kana irratti gaggeeffame walfakkeenya

hin qabu. Falmii lafaa hiikuun ganda irraa ka'uu hin qabu yaadonni jedhanis ka'aniiru. Haa ta'u malee, akka qajeeltootti yoo ilaallu, faayidaa guddaa kan qabu ta'uu isaa muxxaannoowwaan biyyoota biroo fi mootummaalee naannoo biroo irraa hubachuun ni danda'ama. Akka naannoo keenyaatti, hawaasni keenya sirna karaa aadaatin dhimmi isaa xumuratu qaba, innumaayyuu akka qorannoon adda addaa mul'isutti sirni kun gara caaseffama seeraatti olguddatee akka caaseffamni isaa diriiru irraatti hojjechuun barbaachisaa ta'uu akeeku. Kanaaf, falmii lafaa hiikuun mana murtii idilee irraa jalqabuu dhabuun waanuma sirrii dha. Hanqinaalee ammaa mul'atan seera fooyyeessuun sirreessuun ni danda'ama. Fakkeenyaaf, bu'aan yaada murtii jaarsolee araaraa maali? Falmiin lafaa mana murtii idilee kan dhaqqabu ol'iyyataan moo akka komii haaraatti? Dhimmoota kanneen seera fooyyeessuufi seera fooyyaa'e kana irratti ammoo hubannoo gahaa qaamolee dhimmi ilaallatuuf kennuun (warreen falmii akka hiikaniif aangeffaman, caasaalee gandaafi abbootii qabiyyeef) sirreessuun ni danda'ama. Akkaataa barbaachisummaa isaatti, Mana Murtii Aadaa akka naannoo Oromiyaatti hundaa'ee jiru irraa akka eegaluu gochuun ni danda'ama. Mana murtii idilee kan dhaqqabu komii ol'iyyannoon ta'uu qaba. Muuxannoowwwan biyyoota biroos (fknf-Filippiinsiifi Burkinaafaasoo) ta'e naannolee biroo (fknf-kan Saboota Sablammootaafi Uummattoota Kibbaafi Tigiraay) kanuma agarsiisa. Falmiin lafaa adeemsa kanaan mana murtii idilee yoo dhaqqabu achitti bakki ol'aanaan falmii lafaaf kennamuun dhaddachi falmii lafaa qofaatti akkumaa dhaddachaa daa'immaanii fa'ahundaa'ee sirni itti hiikamu diriiruu qaba.

**Gaaffiiwwan**

**A) Afgaaffiiwwan Adda Addaa**

| **Lak** | **G a a f f i i** | **Q a a m a g a a f a t a m u** |
|---|---|---|
| I | **G a a f f i i a a n g o o s e e r a b a a s u u n w a l q a b a t a n** | |
| 1 | Seera bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa Oromiyaa baasuuf qaamni aangoo heeraa qabu mootummaa federaalaa moo mootumm aa naannoo Oromiyaa dha? | - C a f f e<br>- M/murtii<br>- W/ra Pirezidaantii |
| 2 | Bu'uurri labsii bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa Oromiyaa lak.130/1999 Heera Mootummaa RDFI dhamoo Labsii bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa mootummaa federaalaa lak.456/1997 dha? | - C a f f e<br>- M/murtii<br>- W/ra Pirezidaantii |
| I I | **G a a f f i l e e a r g a n n a a f i d a b a r s a l a f a a n w a l q a b a t a n** | |
| 1 | Lafti faayidaa misoomaaf yeroo barbaadamu mirga itti fayyadama horsiisee bulaafi gamisa horsisee bulaa; akkasumas, kan qonnaan bulaa kabachiisuu keessatti rakkoowwan qabatamaan jiran maal fa'i? Rakkoowwan kunniin attamiin furamuu danda'u jettee yaadda? | - B B I L<br>- Komishinii Investimentii<br>- Ko/ horsiisee bulaa<br>- Biiroo qonnaa<br>- Bulchitoota sadarkaan jira |
| 2 | Bulchiinsaafi itti fayyadama lafa horsiisee bulaan walqabatee rakkoowwan qabatamatti mul'atan maal fa'i? Furmaanni isaa hoo? | - B B I L<br>- Komishinii Investimentii<br>- Ko/ horsiisee bulaa<br>- Bulchitoota naannoo horsi |
| 3 | Dabarsawwan lafa baadiyyaa seera-qabeessa (dhaala, kennaa, kiraa, lafa waljala jijjiiruu, waliin misoomsuu, kkf) ta'aniin walqabatee rakkoowwan qabatamatti mul'atan maal fa'i? | - M / m u r t i<br>- BBILB,<br>- Qotee bulaa |
| 4 | Dabarsawwan lafa baadiyyaa seeraan alaa ni jiruu? Yoo jiraatan, bifoota maaliin ibsamu? Akka jiraataniif sababoonni haala mijataa uuman maal fa'i? | - B B I L<br>- M/murtii,<br>- Waajjira Pirezidaantii |
| 5 | Akkaataan argannaafi dabarsa lafa baadiyyaa amma jiru mirga walqixxummaa dubartootaa dhugoomsuu ni danda'aa? Gama kanaan qaawwonni qabatamaan gama seeraafi hojimaataan jiran maal fa'i? | - M / m u r t i<br>- Dhimma Dubartootaafi da<br>- BBILB<br>- A/Alangaa<br>- Poolisii |

| | | |
|---|---|---|
| 6 | Labsii bulchiinsaafi itti fayyadama lafaa keessatti qonnaan bulaan, horsiisee bulaafi gamisa horsiisee bulaan lafa isaa qabsiifatee liqii yoo liqeeffate gaarii dha jettanii yaadduu? Liqichi kaffalamuu dhaa yoo baatehoo bu'aa maalii hordofsiisa jettu? | - Q o n n a a n b u l a<br>- Horsiisee bulaa |
| 7 | Karoorri itti fayyadama lafaa gahumsa qabu qophaa'ee jiraa? Yoo hin jiraanne qopheessuun maaf dadhabame? Yoo jiraate, faayidaa misooma adda addaatiif jedhamee lafti yoo dabarfamu akkaataa karoorichaan raawwatamaa jiraa? Raawwatamaa hin jiru yoo ta'e, maaliif? | - B B I L |
| I I I | **G a a f f i l e e b u l c h i i n s a l a f a a n w a l q a b a t a n** | |
| 1 | Seera bulchiinsaa fi ittifayyadama lafa baadiyyaa hojiirra oolchuun walqabatee rakkoowwan jiran maal fa'i? | - B B I L<br>- M/murtii,<br>- Komishinii horsiisee bula<br>- Komishinii Investimentii |
| 2 | Bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa keessatti rakkoowwan gama:<br>a) investimentii<br>b) jallisii<br>c) qubannaa<br>d) qabannaa lafaatii mul'atan maal fa'i? Furmaanni isaani hoo? | - Komishinii investimen<br>- qonnaa keessaa jallisii,<br>- BBILB<br>- Waajjira pirezidaantiifi<br>- Bulchiinsota sadarkaan jir |
| 3 | Kiraa lafaa ilaalchisee rakkoowwan qabatamatti gama seeraafi raawwiin mul'atan maal fa'i? | - B B I L B ,<br>- M/murtii<br>- Qonnaan bulaa |
| 4 | Faayida ol'aanaa uummataaf jedhamee lafti abbaa qabiyyee irraa yoo fudhatamu labsiin bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa dhimmicha hoogganuu danda'uu irratti qabatamaan qaawwi agarsiise ni jiraa? Fakkeenyaaf,lafa albuudaa irraa qotee bulaan/horsiisee bulaan yoo kaafamu beenyaan gahaa kaffalamaa jiraa? | - B B I L<br>- Koomishinii investimenti<br>- komishinii horsiisee bulaa<br>- Eegumsa naannoo,<br>- A/Taayitaa qabeenya albu<br>- Ejeensii hawaasa misoom |
| 5 | Qoodinsaa Instandaardii oyiruu tokkoo murteessuu ilaalchisee rakkoon jiru maalidha jettuu? Furmaannii isaahoo | - B B I L<br>- M/murtii,<br>- qonnaan bultoota,<br>- Biiroo qonnaa (Jallisii) |
| 6 | Qodinsaa lafa jallisii ilaalchisee rakkoon qabatamaan jiru maliidha? Furmaanni isaahoo? | - B B I L B ,<br>- Biiroo Qonnaa jalatti, jalli |
| 7 | Waldiddaa fi walitti bu'insaa lafaa hiikuu ilaalchisee gama jaarsolii araaraa, bulchiinsa gandaa fi caasaa gandaatiin rakkoon jiraa? Yoo jiraatee, yaada furmaataa waliin nuuf ibsaa. | - B u l c h a a A a n a a<br>- Bulchaa Gandaa<br>- Qonnaan Bulaa,<br>- M/murtii,<br>- BBILB |
| 8 | Ragaa bulchiinsa lafa baadiyyaa guutuu ta'e (completeness), amanamummaa qabaachuu (reliability), baasii xiqqaan argamuu danda'u (cost-effectiveness) fi iftoomina qabuun walqabatee rakkoowwan qabatamatti mul'atan maal fa'i? | - B B I L B ,<br>- M/murtii,<br>- qonnaan bultoota,<br>- horsiisee bultoota |
| 9 | T a a k s i i n l a f a b a a d i y y a a i r r a t t i m u r a m u i f t o o m i n a q a b a a ? | |
| 1 0 | Haalawwan mirga itti fayyadama lafa baadiyyaa dhabsiisan kanneen akka kunuunsuu dhabuu, daangaa seeraan taa'e keessatti itti fayyadamuu dhabuu, fedhiin dhiisuu fi kkf hoji irra oolchuun walqabatee rakkoowwan qabatamaan jiran maal fa'i? | - Waajjira pirezidaantiifi caasaalee bulchiins<br>- BBILB<br>- M/murtii |
| 1 1 | Wal harkaa fuudhinsa lafa baadiyyaa lafa magaalaa jala galeen walqabatee rakkoowwan qabatamatti mul'atan maal fa'i? | - B B I L B<br>- Bulchiinsa aanaa |
| **I V** | **G a a f f i l e e f a l m i i h i i k u u n w a l q a b a t a n** | |

| | | |
|---|---|---|
| 1 | Falmii lafa baadiyyaa qaamni hiiku eenyu yoo ta’e wayya jettu? Fakkeenyaaf, m/murtii idilee qofa moo m/murtii idileen ala adeemsa biroo alidilee ta’een moo lachuu walfaana ta’uu qabu jettu? Lachuu walfaana haa ta’u kan jedhamu yoo ta’e walitti dhufeenyi isaanii maal ta’uu qaba? Maaliif? | - M / m u r t i<br>- Bulchiinsa Gandaa |
| 2 | Falmii lafa baadiyyaa hiikuuf adeemsi amma diriire jiru bu’a qabeessa dha? Miti yoo ta’e, maaliif? | - M / m u r t i |
| 3 | Falmii bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa Naannoo Oromiyaa ilaalchisee rakkooleen gama seeraatiin jiran maal fa’i? Akkamiin furmaata argachuu danda’u? | - M / m u r t i |
| 4 | Falmii bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa hiikuu keessatti mirgoonni:<br>a) daa’imman abbaafi haadha hin qabnee<br>b) dubartootaa fi<br>c) manguddootaa attamitti eegamaa jiru? Rakkoowwan gama ka | - M / m u r t i<br>- Bulchaa gandaa |
| 5 | Labsiifi danbiin bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa amma jiru walitti bu’insa daangaafi qabiyyee hawaasa horsiisee bulaa irratti ka’u hiikuuf mijataa dha? Rakkoowwan qabatamatti jiran maal fa’i? | - M / m u r t i<br>- Horsiisee bulaa<br>- BBILB |
| 6 | Qaamoleen falmii lafa baadiyyaa akka hiikaniif seeraan hundaa’an angoo ifaafi walirra hin buune qabuu? Fakkeenyaaf daangaan aangoo bulchaa gandaa, jaarsolii araaraafi manneen murtii idilee jidduu jiru sirriitti adda ba’eeraa? | - M / m u r t i<br>- Bulchaa gandaa<br>- Jaarsolii araaraa |
| 7 | Falmii lafa baadiyyaa hiikuu keessatti dhimmi darbinsa yeroo attamiin ilaalamaa jira? Rakkoowwan gama kanaan jiran maal fa’i? | - M / m u r t i<br>- BBILB |
| 8 | Gosootni falmii lafaa manneen murtiitti dhiyaatan maal fa’i? Isaan keessaa warreen kamfaati baay’ata? Falmiiwwan kanneen hiikuu keessatti danqaawwan gama seeraafi hojimaataan jiran maal fa’i? | - M/murtii (Galmees ilaaluun ni danda’a<br>- Bulchaa Gandaa |
| 9 | Adeemsa waldiddaa falmii lafa baadiyyaa haala bu’a qabeessaafi si’oomina qabuun hiikuu keessatti rakkoowwan akka waliigalaatti mul’atan maal fa’i? | |

**A) Caffee Oromiyaa**

1. Seera bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa Oromiyaa baasuuf qaamni aangoo heeraa qabu mootummaa federaalaa moo mootummaa naannoo Oromiyaa dha?
2. Bu’uurri labsii bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa Oromiyaa lak.130/1999 Heera Mootummaa RDFI dhamoo Labsii bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa mootummaa federaalaa lak.456/1997 dha?

**B) Waajjira Pirezidaanti**i

1. Seera bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa Oromiyaa baasuuf qaamni aangoo heeraa qabu mootummaa federaalaa moo mootummaa naannoo Oromiyaa dha?
2. Bu’uurri labsii bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa Oromiyaa lak.130/1999 Heera Mootummaa RDFI dhamoo Labsii bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa mootummaa federaalaa lak.456/1997 dha?

3. Dabarsawwan lafa baadiyyaa seeraan alaa ni jiruu? Yoo jiraatan, bifoota maaliin ibsamu? Akka jiraataniif sababoonni haala mijataa uuman maal fa'i?
4. Bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa keessatti rakkoowwan gama:
    a) investimentii
    b) jallisii
    c) qubannaa
    d) qabannaa lafaatii mul'atan maal fa'i? Furmaanni isaani hoo?
5. Haalawwan mirga itti fayyadama lafa baadiyyaa dhabsiisan kanneen akka kunuunsuu dhabuu, daangaa seeraan taa'e keessatti itti fayyadamuu dhabuu, fedhiin dhiisuu fi kkf hojiirra oolchuun walqabatee rakkoowwan qabatamaan jiran maal fa'i?

**C) Bulchiinsota Godinaa, Aanaafi Gandaa**

1. Lafti faayidaa misoomaaf yeroo barbaadamu mirga itti fayyadama horsiisee bulaafi gamisa horsisee bulaa; akkasumas, kan qonnaan bulaa kabachiisuu keessatti rakkoowwan qabatamaan jiran maal fa'i? Rakkoowwan kunniin attamiin furamuu danda'u jettee yaadda?

2. Bulchiinsaafi itti fayyadama lafa horsiisee bulaan walqabatee rakkoowwan qabatamatti mul'atan maal fa'i? Furmaanni isaa hoo?
3. Bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa keessatti rakkoowwan gama:
    a) investimentii
    b) jallisii
    c) qubannaa
    d) qabannaa lafaatii mul'atan maal fa'i? Furmaanni isaa hoo?
4. Waldiddaa fi walitti bu'insaa lafaa hiikuu ilaalchisee gama jaarsolii araaraa, bulchiinsa gandaa fi caasaa gandaatiin rakkoon jiraa? Yoo jiraatee, yaada furmaataa waliin nuuf ibsaa.

5. Haalawwan mirga itti fayyadama lafa baadiyyaa dhabsiisan kanneen akka kunuunsuu dhabuu, daangaa seeraan taa'e keessatti itti fayyadamuu dhabuu, fedhiin dhiisuu fi kkf hojiirra oolchuun walqabatee rakkoowwan qabatamaan jiran maal fa'i?
6. Wal harkaa fuudhinsa lafa baadiyyaa lafa magaalaa jala galeen walqabatee rakkoowwan qabatamatti mul'atan maal fa'i?

7. Falmii lafa baadiyyaa qaamni hiiku eenyu yoo ta’e wayya jettu? Fakkeenyaaf, m/murtii idilee qofa moo m/murtii idileen ala adeemsa biroo alidilee ta’een moo lachuu walfaana ta’uu qabu jettu? Lachuu walfaana haa ta’u kan jedhamu yoo ta’e walitti dhufeenyi isaanii maal ta’uu qaba? Maaliif? (Bulchiinsa Gandaa)

**D) Biiroo Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa**

1. Lafti faayidaa misoomaaf yeroo barbaadamu mirga itti fayyadama horsiisee bulaafi gamisa horsisee bulaa; akkasumas, kan qonnaan bulaa kabachiisuu keessatti rakkoowwan qabatamaan jiran maal fa’i? Rakkoowwan kunniin attamiin furamuu danda’u jettee yaadda?
2. Bulchiinsaafi itti fayyadama lafa horsiisee bulaan walqabatee rakkoowwan qabatamatti mul’atan maal fa’i? Furmaanni isaa hoo?
3. Dabarsawwan lafa baadiyyaa seera-qabeessa (dhaala, kennaa, kiraa, lafa waljala jijjiiruu, waliin misoomsuu, kkf) ta’aniin walqabatee rakkoowwan qabatamatti mul’atan maal fa’i?
4. Dabarsawwan lafa baadiyyaa seeraan alaa ni jiruu? Yoo jiraatan, bifoota maaliin ibsamu? Akka jiraataniif sababoonni haala mijataa uuman maal fa’i?
5. Akkaataan argannaafi dabarsa lafa baadiyyaa amma jiru mirga walqixxummaa dubartootaa dhugoomsuu ni danda’aa? Gama kanaan qaawwonni qabatamaan gama seeraafi hojimaataan jiran maal fa’i?
6. Karoorri itti fayyadama lafaa gahumsa qabu qophaa’ee jiraa? Yoo hin jiraanne qopheessuun maaf dadhabame? Yoo jiraate, faayidaa misooma adda addaatiif jedhamee lafti yoo dabarfamu akkaataa karoorichaan raawwatamaa jiraa? Raawwatamaa hin jiru yoo ta’e, maaliif?
7. Seera bulchiinsaa fi ittifayadama lafa baadiyyaa hojiirra oolchuun walqabatee rakkoowwan jiran maal fa’i?
8. Bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa keessatti rakkoowwan gama:
   a) Investimentii
   b) jallisii
   c) Qubannaa
   d) Qabannaa lafaatii mul’atan maal fa’i? Furmaanni isaani hoo?

9. Labsiifi danbiin bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa amma jiru walitti bu'insa daangaafi qabiyyee hawaasa horsiisee bulaa irratti ka'u hiikuuf mijataa dha? Rakkoowwan qabatamatti jiran maal fa'i?
10. Kiraa lafaa ilaalchisee rakkoowwan qabatamatti gama seeraafi raawwiin mul'atan maal fa'i?
11. Faayida ol'aanaa uummataaf jedhamee lafti abbaa qabiyyee irraa yoo fudhatamu labsiin bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa dhimmicha hoogganuu danda'uu irratti qabatamaan qaawwi agarsiise ni jiraa? Fakkeenyaaf,lafa albuudaa irraa qotee bulaan/horsiisee bulaan yoo kaafamu beenyaan gahaa kaffalamaa jiraa?
12. Qoodinsaa Instandaardii oyiruu tokkoo murteessuu ilaalchisee rakkoon jiru maalidha jettuu? Furmaannii isaahoo
13. Qodinsaa lafa jallisii ilaalchisee rakkoon qabatamaan jiru maliidha? Furmaanni isaahoo?
14. Waldiddaa fi walitti bu'insaa lafaa hiikuu ilaalchisee gama jaarsolii araaraa, bulchiinsa gandaa fi caasaa gandaatiin rakkoon jiraa? Yoo jiraatee, yaada furmaataa waliin nuuf ibsaa.
15. Ragaa bulchiinsa lafa baadiyyaa guutuu ta'e (completeness), amanamummaa qabaachuu (reliability), baasii xiqqaan argamuu danda'u (cost-effectiveness) fi iftoomina qabuun walqabatee rakkoowwan qabatamatti mul'atan maal fa'i?
16. Haalawwan mirga itti fayyadama lafa baadiyyaa dhabsiisan kanneen akka kunuunsuu dhabuu, daangaa seeraan taa'e keessatti itti fayyadamuu dhabuu, fedhiin dhiisuu fi kkf hojiirra oolchuun walqabatee rakkoowwan qabatamaan jiran maal fa'i?
17. Wal harkaa fuudhinsa lafa baadiyyaa lafa magaalaa jala galeen walqabatee rakkoowwan qabatamatti mul'atan maal fa'i?

**E) Mana Murtii**

1. Seera bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa Oromiyaa baasuuf qaamni aangoo heeraa qabu mootummaa federaalaa moo mootummaa naannoo Oromiyaa dha?
2. Bu'uurri labsii bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa Oromiyaa lak.130/1999 Heera Mootummaa RDFI dhamoo Labsii bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa mootummaa federaalaa lak.456/1997 dha?
3. Dabarsawwan lafa baadiyyaa seera-qabeessa (dhaala, kennaa, kiraa, lafa waljala jijjiiruu, waliin misoomsuu, kkf) ta'aniin walqabatee rakkoowwan qabatamatti mul'atan maal fa'i?

4. Dabarsawwan lafa baadiyyaa seeraan alaa ni jiruu? Yoo jiraatan, bifoota maaliin ibsamu? Akka jiraataniif sababoonni haala mijataa uuman maal fa'i?
5. Akkaataan argannaafi dabarsa lafa baadiyyaa amma jiru mirga walqixxummaa dubartootaa dhugoomsuu ni danda'aa? Gama kanaan qaawwonni qabatamaan gama seeraafi hojimaataan jiran maal fa'i?
6. Seera bulchiinsaa fi ittifayadama lafa baadiyyaa hojiirra oolchuun walqabatee rakkoowwan jiran maal fa'i?
7. Labsiifi danbiin bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa amma jiru walitti bu'insa daangaafi qabiyyee hawaasa horsiisee bulaa irratti ka'u hiikuuf mijataa dha? Rakkoowwan qabatamatti jiran maal fa'i?
8. Kiraa lafaa ilaalchisee rakkoowwan qabatamatti gama seeraafi raawwiin mul'atan maal fa'i?
9. Qoodinsaa Instandaardii oyiruu tokkoo murteessuu ilaalchisee rakkoon jiru maalidha jettuu? Furmaannii isaahoo
10. Waldiddaa fi walitti bu'insaa lafaa hiikuu ilaalchisee gama jaarsolii araaraa, bulchiinsa gandaa fi caasaa gandaatiin rakkoon jiraa? Yoo jiraatee, yaada furmaataa waliin nuuf ibsaa.
11. Ragaa bulchiinsa lafa baadiyyaa guutuu ta'e (completeness), amanamummaa qabaachuu (reliability), baasii xiqqaan argamuu danda'u (cost-effectiveness) fi iftoomina qabuun walqabatee rakkoowwan qabatamatti mul'atan maal fa'i?
12. Haalawwan mirga itti fayyadama lafa baadiyyaa dhabsiisan kanneen akka kunuunsuu dhabuu, daangaa seeraan taa'e keessatti itti fayyadamuu dhabuu, fedhiin dhiisuu fi kkf hojiirra oolchuun walqabatee rakkoowwan qabatamaan jiran maal fa'i?

**Falmii**

13. Falmii lafa baadiyyaa qaamni hiiku eenyu yoo ta'e wayya jettu? Fakkeenyaaf, m/murtii idilee qofa moo m/murtii idileen ala adeemsa biroo alidilee ta'een moo lachuu walfaana ta'uu qabu jettu? Lachuu walfaana haa ta'u kan jedhamu yoo ta'e walitti dhufeenyi isaanii maal ta'uu qaba? Maaliif?
14. Falmii lafa baadiyyaa hiikuuf adeemsi amma diriire jiru bu'a qabeessa dha? Miti yoo ta'e, maaliif?
15. Falmii bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa Naannoo Oromiyaa ilaalchisee rakkooleen gama seeraatiin jiran maal fa'i? Akkamiin furmaata argachuu danda'u?

16. Falmii bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa hiikuu keessatti mirgoonni:
    a) daa’imman abbaafi haadha hin qabnee
    b) dubartootaa fi
    c) manguddootaa attamitti eegamaa jiru? Rakkoowwan gama kanaan jiran maal fa’i?
17. Labsiifi danbiin bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa amma jiru walitti bu’insa daangaafi qabiyyee hawaasa horsiisee bulaa irratti ka’u hiikuuf mijataa dha? Rakkoowwan qabatamatti jiran maal fa’i?
18. Qaamoleen falmii lafa baadiyyaa akka hiikaniif seeraan hundaa’an angoo ifaafi walirra hin buune qabuu? Fakkeenyaaf daangaan aangoo bulchaa gandaa, jaarsolii araaraafi manneen murtii idilee jidduu jiru sirriitti adda ba’eeraa?
19. Falmii lafa baadiyyaa hiikuu keessatti dhimmi darbinsa yeroo attamiin ilaalamaa jira? Rakkoowwan gama kanaan jiran maal fa’i?
20. Gosootni falmii lafaa manneen murtiitti dhiyaatan maal fa’i? Isaan keessaa warreen kamfaati baay’ata? Falmiiwwan kanneen hiikuu keessatti danqaawwan gama seeraafi hojimaataan jiran maal fa’i?
21. Adeemsa waldiddaa falmii lafa baadiyyaa haala bu’a qabeessaafi si’oomina qabuun hiikuu keessatti rakkoowwan akka waliigalaatti mul’atan maal fa’i?

**F) Koomishinii Investimentii**

1. Lafti faayidaa misoomaaf yeroo barbaadamu mirga itti fayyadama horsiisee bulaafi gamisa horsisee bulaa; akkasumas, kan qonnaan bulaa kabachiisuu keessatti rakkoowwan qabatamaan jiran maal fa’i? Rakkoowwan kunniin attamiin furamuu danda’u jettee yaadda?

2. Bulchiinsaafi itti fayyadama lafa horsiisee bulaan walqabatee rakkoowwan qabatamatti mul’atan maal fa’i? Furmaanni isaa hoo?
3. Seera bulchiinsaa fi itti fayadama lafa baadiyyaa hojiirra oolchuun walqabatee rakkoowwan jiran maal fa’i?
4. Bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa keessatti rakkoowwan gama:
    a) investimentii
    b) jallisii
    c) qubannaa

   d) qabannaa lafaatii mul’atan maal fa’i? Furmaanni isaani hoo?

5. Faayida ol’aanaa uummataaf jedhamee lafti abbaa qabiyyee irraa yoo fudhatamu labsiin bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa dhimmicha hoogganuu danda’uu irratti qabatamaan qaawwi agarsiise ni jiraa? Fakkeenyaaf,lafa albuudaa irraa qotee bulaan/horsiisee bulaan yoo kaafamu beenyaan gahaa kaffalamaa jiraa?

**G) Koomishinii Horsiisee Bulaa**

1. Lafti faayidaa misoomaaf yeroo barbaadamu mirga itti fayyadama horsiisee bulaafi gamisa horsisee bulaa; akkasumas, kan qonnaan bulaa kabachiisuu keessatti rakkoowwan qabatamaan jiran maal fa’i? Rakkoowwan kunniin attamiin furamuu danda’u jettee yaadda?
2. Bulchiinsaafi itti fayyadama lafa horsiisee bulaan walqabatee rakkoowwan qabatamatti mul’atan maal fa’i? Furmaanni isaa hoo?
3. Seera bulchiinsaa fi ittifayadama lafa baadiyyaa hojiirra oolchuun walqabatee rakkoowwan jiran maal fa’i?
4. Labsiifi danbiin bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa amma jiru walitti bu’insa daangaafi qabiyyee hawaasa horsiisee bulaa irratti ka’u hiikuuf mijataa dha? Rakkoowwan qabatamatti jiran maal fa’i?
5. Faayida ol’aanaa uummataaf jedhamee lafti abbaa qabiyyee irraa yoo fudhatamu labsiin bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa dhimmicha hoogganuu danda’uu irratti qabatamaan qaawwi agarsiise ni jiraa? Fakkeenyaaf,lafa albuudaa irraa qotee bulaan/horsiisee bulaan yoo kaafamu beenyaan gahaa kaffalamaa jiraa?

**H) Dhimma Dubartootaafi Daa’immanii**

Akkaataan argannaafi dabarsa lafa baadiyyaa amma jiru mirga walqixxummaa dubartootaa dhugoomsuu ni danda’aa? Gama kanaan qaawwonni qabatamaan gama seeraafi hojimaataan jiran maal fa’i?

**I) Ejensii Hawaasa Misoomaaf Kaafamanii**

Faayida ol’aanaa uummataaf jedhamee lafti abbaa qabiyyee irraa yoo fudhatamu labsiin bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa dhimmicha hoogganuu danda’uu irratti qabatamaan

qaawwi agarsiise ni jiraa? Fakkeenyaaf,lafa albuudaa irraa qotee bulaan/horsiisee bulaan yoo kaafamu beenyaan gahaa kaffalamaa jiraa?

**J) Biiroo Qonnaa (Jallisii)**

1. Lafti faayidaa misoomaaf yeroo barbaadamu mirga itti fayyadama horsiisee bulaafi gamisa horsisee bulaa; akkasumas, kan qonnaan bulaa kabachiisuu keessatti rakkoowwan qabatamaan jiran maal fa'i? Rakkoowwan kunniin attamiin furamuu danda'u jettee yaadda?
2. Bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa keessatti rakkoowwan gama:
   a) investimentii
   b) jallisii
   c) qubannaa
   d) qabannaa lafaatii mul'atan maal fa'i? Furmaanni isaa hoo?
3. Qoodinsaa Instandaardii oyiruu tokkoo murteessuu ilaalchisee rakkoon jiru maalidha jettuu? Furmaannii isaahoo?
4. Qodinsaa lafa jallisii ilaalchisee rakkoon qabatamaan jiru maliidha? Furmaanni isaahoo?

**K) Mana Hojii Abbaa Alangaa**

Akkaataan argannaafi dabarsa lafa baadiyyaa amma jiru mirga walqixxummaa dubartootaa dhugoomsuu ni danda'aa? Gama kanaan qaawwonni qabatamaan gama seeraafi hojimaataan jiran maal fa'i?

**L) Poolisii**

Akkaataan argannaafi dabarsa lafa baadiyyaa amma jiru mirga walqixxummaa dubartootaa dhugoomsuu ni danda'aa? Gama kanaan qaawwonni qabatamaan gama seeraafi hojimaataan jiran maal fa'i?

**M) Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoofi Jijjiirama Qilleensa**a

Faayida ol'aanaa uummataaf jedhamee lafti abbaa qabiyyee irraa yoo fudhatamu labsiin bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa dhimmicha hoogganuu danda'uu irratti qabatamaan

qaawwi agarsiise ni jiraa? Fakkeenyaaf,lafa albuudaa irraa qotee bulaan/horsiisee bulaan yoo kaafamu beenyaan gahaa kaffalamaa jiraa?

**N) Abbaa Taayitaa Qabeenya Albuudaa**

Faayida ol'aanaa uummataaf jedhamee lafti abbaa qabiyyee irraa yoo fudhatamu labsiin bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa dhimmicha hoogganuu danda'uu irratti qabatamaan qaawwi agarsiise ni jiraa? Fakkeenyaaf,lafa albuudaa irraa qotee bulaan/horsiisee bulaan yoo kaafamu beenyaan gahaa kaffalamaa jiraa?

**O) Qonnaan Bulaa**

1. Dabarsawwan lafa baadiyyaa seera-qabeessa (dhaala, kennaa, kiraa, lafa waljala jijjiiruu, waliin misoomsuu, kkf) ta'aniin walqabatee rakkoowwan qabatamatti mul'atan maal fa'i?
2. Labsii bulchiinsaafi itti fayyadama lafaa keessatti qonnaan bulaan, horsiisee bulaafi gamisa horsiisee bulaan lafa isaa qabsiifatee liqii yoo liqeeffate gaarii dha jettanii yaadduu? Liqichi kaffalamuu dhaa yoo baatehoo bu'aa maalii hordofsiisa jettu?
3. Kiraa lafaa ilaalchisee rakkoowwan qabatamatti gama seeraafi raawwiin mul'atan maal fa'i?
4. Qoodinsaa Instandaardii oyiruu tokkoo murteessuu ilaalchisee rakkoon jiru maalidha jettuu? Furmaannii isaahoo
5. Waldiddaa fi walitti bu'insaa lafaa hiikuu ilaalchisee gama jaarsolii araaraa, bulchiinsa gandaa fi caasaa gandaatiin rakkoon jiraa? Yoo jiraatee, yaada furmaataa waliin nuuf ibsaa.
6. Ragaa bulchiinsa lafa baadiyyaa guutuu ta'e (completeness), amanamummaa qabaachuu (reliability), baasii xiqqaan argamuu danda'u (cost-effectiveness) fi iftoomina qabuun walqabatee rakkoowwan qabatamatti mul'atan maal fa'i?

**P) Horsiisee Bulaa**

1. Labsii bulchiinsaafi itti fayyadama lafaa keessatti qonnaan bulaan, horsiisee bulaafi gamisa horsiisee bulaan lafa isaa qabsiifatee liqii yoo liqeeffate gaarii dha jettanii yaadduu? Liqichi kaffalamuu dhaa yoo baatehoo bu'aa maalii hordofsiisa jettu?

2. Labsiifi danbiin bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa amma jiru walitti bu'insa daangaafi qabiyyee hawaasa horsiisee bulaa irratti ka'u hiikuuf mijataa dha? Rakkoowwan qabatamatti jiran maal fa'i?
3. Ragaa bulchiinsa lafa baadiyyaa guutuu ta'e (completeness), amanamummaa qabaachuu (reliability), baasii xiqqaan argamuu danda'u (cost-effectiveness) fi iftoomina qabuun walqabatee rakkoowwan qabatamatti mul'atan maal fa'i?

**Q) Jaarsolii Araaraa**

Falmii lafa baadiyyaa hiikuu keessatti dhimmoonni akka danqaatti ilaalaman maal fa'i?  Gama seeraan, gama bulchiinsa gandaatiin, gama mana murtiitiin kan jiran nuuf ibsaa.

## Gaaffilee Bulchiinsaa

**A. <u>Iftoominaa ilaalchisee</u>**

1. Iftoominni bulchinsaa fi ittifayyadamaa lafaa keessa jiru maal fakkaata? (kunis gama odeeffannoo dhimmaa lafaa waliin walqabatu argachuu; murtii dhimmaa lafaan walqabatu murteessuu; ragaa barbaachisaa dhimmaa lafaa waliin walqabatuu aragachuu ilaalchisee).,
2. Tajajilaa bulchisii fi ittifayadama lafaa keessatti iftomminnii jira jettuu?
3. Tajajilaa bulchinsaa fi ittifayyadama lafaa keessatti seeronnii, qajelfamootya fi istandardiwwaan jiran haala iftomina qabuun jirachuu walqabatee rakkoon ni jiraa? maal fa'a?

B. **<u>Gaafatamummaan ilaalchisee</u>**

4. Ittigaafatamummaan bulchinsaa fi ittifayadamaa lafaa keessa jiru maal fakkaata?

5. Sirni ittigaafatamuumma hojii bulchinsaa fi ittifayyadama keessatti mirkaneesisuu diriruu isaa sadarkaa kamitti madaalatuu?

C. **<u>Effective and efficiency ilaalchisee</u>**

6. Addeemsa bulchiinsaa fi ittifayyadama lafaa keessatti tajaajila si'ataa fi qulqullinaa qabuu argachuu ilaalchisee haala kamiin madaaltuu?

7. Hoji bulchinsaa gaarii fi tajaajila si'ataa kennuu keessatti to'annoo fi hordoffii akkasumaas madaallii yeroo isaa eegatee gaggeefamaa jiraachu akkamiin madaaltu?

8. Bu'a qabeessummaa caasaa bulchiinsaa fi ittfayyadama lafa baadiyyaa yeroo ammaa jiru akkamiin ilaaltu? yoo akkam ta'e wayyaa?

**D. <u>Ariitiin Deebii kennuu (Responsiviness)</u>**

9. Dhimmootaa lafa fi lafaan walqabataan ilaalchisee waajjirrichaa irraa gaaffi gaafatameef deebii sirrii kan yeroo isa eegate argachuu ilaalchisee maal fakkatu?

10. Bulchiinsaa gaarii lafaa fi ittifayadamaa lafaa waliin jiru akkamiin madaalatu?

**E. <u>Hirmaachisummaa ilaalchisee</u>**

11. Hiimaachisuummaa uummataa hojii bulchiinsaa fi ittifayadama lafaa keessa jiru akkamiin madaaltuu?

12. Karoorri ittifayyadama lafaa yeroo bahuu fi hojii irra olu hirmanaan uummataa jiraachuu isaa haala kamiin madaaltuu?

13. Haalli rakkoo tokkoo furuuf komiin itti dhiyaatu fi keessumeessamu maal fakkaataa?

14. Bulchiisi lafaa fedhii tajaajilamtootaaf dafee deebii kennuu iratti maal fakkaata?, Hirmachisuuman uummaataa ykn hawaasa qonnaan bulaa ,horsii bulaa fi gamisaa horsisee bulaa ga'aa dha jettu?

F. **<u>Ol'aantummaa seeraa (rule of law) ilaalchise</u>**

15. Tajajilaa bulchinsaa fi ittifayyadama lafaa keessatti seeronnii, qajelfamootya fi istandardiwwaan jiran haala iftomina qabuun jira jettanii yaadduu?

16. Haallii qacarrii, jijjirraa? Gatii tajajilaa,ittigafatamummaa haqa qabeessaa fi kkf

17. Waldiddaa fi walitti bu'insii qabiyyee lafaa ilaalchisee furmaata argachuuf akkataa seeraa fi qajelfama ykn istandardii ta'een hojii irra oluu isaa haala kamiin madaaltuu?

G. **<u>Walqixxummaa haqaafi al-logummaa ilaalchisee</u>**

18. Bulchiinsaa fi ittifayyadama lafaa keessatti tajajillii kennamu haala logii irra bilisaa ta'ee fi walqixxummaa mirkaneessen raawwatamaa jiraa?

19. Hojjetoonnii fi gaggeesitonnii seekteraa lafaa haala loogii hin qabneen tajajilaa isaani kennaa jiru jettanii yaadduu?

20. Haallii qacarrii, jijjirraa, hojjetootaa haqa qabeessa jettuu?

21. Haallii kaffatii gatii tajajilaa haqa qabeessaa jettuu?

22. Faayida olanaa uummataatif jedhamee yeroo qonnaan bulaan, horsisee bulaan fi gamisaa horsisee bulaa qabiyyee isaa irra buqa'uu beenyaa abbotii qabiyyee hundaaf haala qabiyyee isaanitin logii malee kaffalamaa jetanii ammantuu?

23. Tajajilaa waajjirri bulchinsaa fi itti fayyadama lafaa keenuu haala ittiqufinsaa tajajiltoota mirakaneessun hojjetamaa jira jette amantaa?

H. **Of-danda'uu (autonomy) ilaalchisee**

24. Caasaan bulchiinsaa fi ittifayyadama lafa ofdanda'uun; aangoof gahee hojii isaaf kennee sirnaan raawwataaa jira jettuu? rakkoo akkamiitu mul'ataa jira?

25. Gubbaa hangaa gaditti caasaan bulchinsaa fi itti fayyadama lafaa haala humna namaa fi mallaqaan ofdanda'ee raawwachaa jirachuu isaa akkamiin madaaltu?

26. Kaayyoo dhaabbateef galmaan gahuuf akkataan caaseeffama gubbaa hangaa gadiitti jiru guutuu fi hojii kana raawwachuun kan dandeesudha?

## Gaaffilee Bulchiinsaa

**I. Iftoominaa ilaalchisee**

27. Iftoominni bulchinsaa fi ittifayyadamaa lafaa keessa jiru maal fakkaata? (kunis gama odeeffannoo dhimmaa lafaa waliin walqabatu argachuu; murtii dhimmaa lafaan walqabatu murteessuu; ragaa barbaachisaa dhimmaa lafaa waliin walqabatuu aragachuu ilaalchisee).,
28. Tajajilaa bulchisii fi ittifayadama lafaa keessatti iftomminnii jira jettuu?
29. Tajajilaa bulchinsaa fi ittifayyadama lafaa keessatti seeronnii, qajelfamootya fi istandardiwwaan jiran haala iftomina qabuun jirachuu walqabatee rakkoon ni jiraa? maal fa'a?

J. **Gaafatamummaan ilaalchisee**

30. Ittigaafatamummaan bulchinsaa fi ittifayadamaa lafaa keessa jiru maal fakkaata?
31. Sirni ittigaafatamuumma hojii bulchinsaa fi ittifayyadama keessatti mirkaneesisuu diriruu isaa sadarkaa kamitti madaalatuu?

K. **Effective and efficiency ilaalchisee**

32. Addeemsa bulchiinsaa fi ittifayyadama lafaa keessatti tajaajila si'ataa fi qulqullinaa qabuu argachuu ilaalchisee haala kamiin madaaltuu?
33. Hoji bulchinsaa gaarii fi tajaajila si'ataa kennuu keessatti to'annoo fi hordoffii akkasumaas madaallii yeroo isaa eegatee gaggeefamaa jiraachu akkamiin madaaltu?
34. Bu'a qabeessummaa caasaa bulchiinsaa fi ittfayyadama lafa baadiyyaa yeroo ammaa jiru akkamiin ilaaltu? yoo akkam ta'e wayyaa?

**L. Ariitiin Deebii kennuu (Responsiviness)**

35. Dhimmootaa lafa fi lafaan walqabataan ilaalchisee waajjirrichaa irraa gaaffi gaafatameef deebii sirrii kan yeroo isa eegate argachuu ilaalchisee maal fakkatu?
36. Bulchiinsaa gaarii lafaa fi ittifayadamaa lafaa waliin jiru akkamiin madaalatu?

**M. Hirmaachisummaa ilaalchisee**

37. Hiimaachisuummaa uummataa hojii bulchiinsaa fi ittifayadama lafaa keessa jiru akkamiin madaaltuu?
38. Karoorri ittifayyadama lafaa yeroo bahuu fi hojii irra olu hirmanaan uummataa jiraachuu isaa haala kamiin madaaltuu?
39. Haalli rakkoo tokkoo furuuf komiin itti dhiyaatu fi keessumeessamu maal fakkaataa?
40. Bulchiisi lafaa fedhii tajaajilamtootaaf dafee deebii kennuu iratti maal fakkaata?, Hirmachisuuman uummaataa ykn hawaasa qonnaan bulaa ,horsii bulaa fi gamisaa horsisee bulaa ga'aa dha jettu?

N. **Ol'aantummaa seeraa (rule of law) ilaalchise**

41. Tajajilaa bulchinsaa fi ittifayyadama lafaa keessatti seeronnii, qajelfamootya fi istandardiwwaan jiran haala iftomina qabuun jira jettanii yaadduu?

42. Haallii qacarrii, jijjirraa? Gatii tajajilaa,ittigafatamummaa  haqa qabeessaa fi kkf

43. Waldiddaa fi walitti bu'insii qabiyyee lafaa ilaalchisee furmaata argachuuf akkataa seeraa fi qajelfama ykn istandardii ta'een hojii irra oluu isaa haala kamiin madaaltuu?

O. **Walqixxummaa haqaafi al-logummaa ilaalchisee**

44. Bulchiinsaa fi ittifayyadama lafaa keessatti tajajillii kennamu haala logii irra bilisaa ta'ee fi walqixxummaa mirkaneessen raawwatamaa jiraa?

45. Hojjetoonnii fi gaggeesitonnii seekteraa lafaa haala loogii hin qabneen tajajilaa isaani kennaa jiru jettanii yaadduu?

46. Haallii qacarrii, jijjirraa, hojjetootaa haqa qabeessa jettuu?

47. Haallii kaffatii gatii tajajilaa  haqa qabeessaa jettuu?

48. Faayida olanaa uummataatif jedhamee yeroo qonnaan bulaan, horsisee bulaan fi gamisaa horsisee bulaa qabiyyee isaa irra buqa'uu beenyaa abbotii qabiyyee hundaaf haala qabiyyee isaanitin logii malee kaffalamaa jetanii ammantuu?

49. Tajajilaa waajjirri bulchinsaa fi itti fayyadama lafaa keenuu haala ittiqufinsaa tajajiltoota mirakaneessun hojjetamaa jira jette amantaa?

P. **Of-danda'uu (autonomy) ilaalchisee**

50. Caasaan bulchiinsaa fi ittifayyadama lafa ofdanda'uun; aangoof gahee hojii isaaf kennee sirnaan raawwataaa jira jettuu? rakkoo akkamiitu mul'ataa jira?

51. Gubbaa  hangaa gaditti caasaan bulchinsaa fi itti fayyadama lafaa haala humna namaa fi mallaqaan ofdanda'ee raawwachaa jirachuu isaa akkamiin madaaltu?

52. Kaayyoo dhaabbateef galmaan gahuuf akkataan caaseeffama gubbaa hangaa gadiitti jiru guutuu fi hojii kana raawwachuun kan dandeesudha?

**Gaaffiilee sirriitti akka qulqullaa'aniif ob.Fufaan kaasan**

a) Waldiddaan lafaa eessatti ilaalamuu qaba?  M/murtii moo iddoo biraatti?
b) Qonnaan bulaan attamittiin ivestimentii keessa galuu danda'a?
c) Qabiyyeen lafaa inni guddaan (maximum landholding size of peasant) seeraan daanga'uu qabamoo hin qabu? Warri qabiyyee bal'aa qaban irraa yoo qoodame dhiibbaa attamii hordofsiisa?
d) Qonnaan bulaan qabiyyee isaa qabsiisee attamittiin liqeeffachuu danda'a?
e) Haroowwaniifi lageen irraa lafti qonnaa hangam fagaachuu qaba?

**BargaaffiiwwanQorannoo Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Gaggeessuuf Qophaa'e**

Inistiitiyuutiin Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaafi Qorannoo Seeraa Oromiyaa, Biiroon Lafaa Oromiyaa, Manni Murtii Waliigala Oromiyaafi Yunivarsiitiin Odaa Bultumwaliin ta'uun**Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Oromiyaa** ilaalchisee qorannoo gaggeessuu irratti argamu.Kanaafis odeeffannoo (daataa) qulqullinaqabu sassaabuun murteessaa dha. Haaluma kanaan,bargaaffileenbulchiinsa lafaa gaariif qajeeltowwan jiraniin madaaluuf gargaaran akka armaan gadiittidhiyaataniiru. Gaaffilee kanniin guutuun deeggarsa akka nuuf gootan kabajaan isin gaafachaa;gaaffilee ilaalchisuun madaallii keessan yoo taasisftan akkaataa

yaada keessaniitti sirrii kan ta’ee keessatti mallattoo ✔agarsiisaa.Deeggersa nuuftaasiftaniif dursinee isin galateeffanna.

| Lakk. | Qajeeltowwan | Gaaffilee | Madaallii | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | B/gaarii | Gaarii | G/galeessa | Gaarii miti | b/gaarii miti |
| 1 . | Si’oomina (efficiency | Adeemsi galmeessa, dabarsaafi kkf lafaa; kaffaltii hin malleef (informal payment) carraa kan hin banne ta’uun isaa yoo madaal amu. | | | | | |
| 2 . | Bu’a qabeessummaan (effectiveness | Gahumsi oguummaa, bajatni gahaa, akkasumas haalli siyaas-diinagdee biyyaa, kutannoon siyaasaa, ol’aantummaa seeraa kabachiisuu, sirni to’annoo cimaafi tasgabbiin siyaasaa jiraachuun yoo ilaalamu | | | | | |
| 3 . | Iftoomina (Transparency), itti fufaa (consistency) fi tilmaamamummaa(predictability) | Haalli filannoo hojjetootaa, tajaajilliifi gatiin tajaajilaaf kaffalamu istaandardii qabaachuun yoo madaalamu | | | | | |
| 4 . | Amanamummaa (Integrity) fi Ittigaafatamummaa(accountability) | Tajaajila walfakkaataa, dambiin naamusa hojjetootaa sirreessuuf gargaaru; akasumas akkaataa ittigaafatammummaa itti mirkanaa’u adeemsi ifaan jiraachuun bulchiinsa lafaa yoo madaalamu | | | | | |
| 5 . | Of-danda’uu (autonomy | bulchiinsi lafaa gara gadiitti buusuun akka walaba ta’ee bulchu ta’aa jiraachuun yoo madaalamu | | | | | |
| 6 . | Hirmaachisummaa dhaabbilee hawaasummaafi hawaasaa (Civic engagement and public participation) | Bulchii lafaa fedhii tajaajilamtootaaf dafee deebii kennuu; odeeffannoon dhimma lafaa fooyya’aa, fedhiifi itti quufinsa tajaajilamtootaa sakatta’aa deemuun yoo madaalamu | | | | | |
| 7 . | Haqummaa (Equity), sirrummaa (fairness) fi al-loogummaa (impartiality | Namni hunduu ilaalcha siyaasaa akkasumas haalli qabeenya isaa yaada keessa osoo hin galiin tajaajila walqixaa kennuun bulchiinsa lafaa yoo madaalamu | | | | | |
| 8 . | Eegumsa seeraafi ol’aantummaa seeraa (Legal security and rule of law) | Bulchiinsi lafaa bu’uura seera dhaabbataafi yaa’insa gaarii qabaachuu; mana murtii walabaa kan ol’aantummaa seera mirkaneessuufi mirga qabiyyee fi qaabeenya lafaan walqabatee jiruuf eegumsa godhu qabaachuun yoo madaalamu | | | | | |

1. Sirni odeeffannoo dhimma lafaa saayinsaawaa ta’uun maal fakkaata? Ol’aanaa ☐ Giddu galeessaa ☐ Gad-aanaa ☐

2. Ummatni karaa aadaatiin dhimma lafaa furachuuf fedhiihagam qabaa? yeroo hunda osoo karaa addaan furatee fedha ☐ yeroo tokko tokko ☐ karaa adaan osoo hin taane mana murtiin furachuu fedha ☐ hinbeeku ☐

3. Falmii lafaa karaa mana murtiin hiikuun walitti dhufeenya hawaasaa irratti dhiibbaa ni qaba jettuu? eyyee ☐ lakkii ☐

4. Hawaasni naannoo keessanii dhimma isaa karaa aadaatiin ni furataa? eyyee yeroo hedduu ☐

   eyyee yeroo tokko tokko ☐ lakkii karaa aadaatiin furachuu fedhii hin qabani ☐

5. Baay'achuu falmii lafaatiif maaltu akka sababa adda dureetti ilallama? Rakkoo bulchiinsa lafaa ☐ Dabaluu gatii lafaa ☐

6. Bu'a qabeessummaa falmii lafaa karaa aadaatiin akka dhumu taasisuu akkamitti madaaltu? ☐ bayy'ee bu'a qabeessa, ☐ hanga ta'e bu'a qabeessa ☐ bu'a qabeessa miti.

**Bar-gaaffii**

Saanduqa kenname keessatti mallattoo ☑ gochuun kan sirrii ta'e guutaa

Sababootni rakkoowwan bulchiinsa itti fayyadama lafa baadiyyaa naannoo Oromiyaa akkaataa hammeenyummaa isaaniitiin yoo sadarkaa'u:

1. Imaammata lafaa ifa ta'e dhabuun rakkoo

   ☐ Rakkoo hammaataa ☐ Rakkoo giddu-galeessa ☐ Rakkoo miti

2. Inistiitiyuushinii lafaa cimina qabuu fi ogeessota gahumsa qabaniin guutame dhabuun;

   ☐ Rakkoo hammaataa ☐ Rakkoo giddu-galeessa ☐Rakkoo miti

3. Murtii dhimma lafaan walqabatee kennamu irratti hawaasa sirnaan hirmaachisuu dhabuun;

   ☐ Rakkoo hammaataa ☐ Rakkoo giddu-galeessa ☐ Rakkoo miti

4. Bulchiinsi lafaa iftoomina dhabuun;

   ☐ Rakkoo hammaataa ☐Rakkoo giddu-galeessa ☐rakkoo miti

**Gaaffiwwan Marii Garee (FGD) HawaasaQonnaanBulaa fi HorsiseeBulaa**

1. Mirga itti fayyadama lafaa keessan haala guutuu ta'een isiniif mirkanaa'ee jiraa? Rakkoo gama kanaan isin mudataa jiru maal fa'i? akka agarsiiftuutti [lafa qabsiisanii liqeeffachuu dhabuu, wabummaa lafaa mirkaneeffachuu dhabuu, akkuma barbaadetti lafa irraa fudhachuu].

2. Waldiddaan lafaa yoo jiraate haala kamiin hiiktu? Sirna waldiddaa hiikaa kan seerri diriirse moo kan aadaa irra filattu maaliif?kanaan walqabatee rakkoo akkamiitu jira? furmaatni isaahoo?
3. Gama bulchiinsa lafaatiin rakkoon isinitti mul'atu jiraa? Yoo jiraate maal fa'i? [Gama gurmaa'insa sektera lafaan, deebii ariitiin kennuuniifi wabummaa lafaa mirkaneessuun kkf tiin akka ilaalan gochuun gaarii dha.]
4. Faayidaa ummataaf jedhamee lafti yoo fudhatamu rakkoon ni jiraa? yoo jiraate maal fa'i?
5. Wabummaan abba qabiyyummaa lafaa siniif mirkanaa'ee jiraa? Safarriin mirkaneessaa kun kan marsaa 1ffaa moo isa lammaaffaa dha? Hanqinni gama kanaan jiru maal?
6. Mirkaneessi abbaa qabiyyummaa lafaa kun waan isiniif buuse qabaa? Gama dinagdee, waldhabbii hin barbaaachisne hambiisuufi kkf tiin yaada kaasuun irratti akka ibsan gochuuf yaadameetu.

## Wabiiwwan

### A) Kitaabilee, Joornaalotaa fi Barreeffamoota Adda Addaa


**1.** Williamson, I., Enemark, S., Wallace, J., & Rajabifard, A. (2010). Land administration for sustainable development. Redlands, CA: Esri Press Academics.

2. B. Nega, B.Adenew and S.Gebre Sellasie (2003), current land policy issues in Ethiopia, land reform special edition

3. International Federation of Surveyors (FIG), May 2014. CADASTRE 2014 and Beyond FIGpublication No. 61.

4. Expert Group on Land Administration and Management United Nations Committee of Experts on Global Geospatial Information Management (UN-GGIM) July 2019 (Framework for Effective Land Administration A reference for developing, reforming, renewing, strengthening or modernizing land administration and management systems).

5. Lastarria-Cornhiel, S., J.A. Behrman, R. Meinzen-Dick and A.R. Quisumbing (2014) 'Gender Equity and Land: Toward Secure and Effective Access for Rural Women', 'Gender Equity and Land: Toward Secure and Effective Access for Rural Women', *Gender in Agriculture*, Springer

6. Murado Abdo, State Policy and Law in Relation to Land Alienation in Ethiopia, A Thesis Submitted in Partial Fulfilment of the Requirements of the Degree of Doctor of Philosophy in Law, University of Warwick, Law School, December 2014
7. Daniel Weldegebriel Ambaye (2013). Land Rights and Expropriation in Ethiopia.
8. Daniel Woldegebriel and Melaku Belachew, Land Law Teaching Material, prepared under the Sponsorhsip of the Justice and Legal System Research Institute, 2009
9. Siegfired Pausewang, Ethiopia: A Political View from Below, South Africa, Journal of International Affairs
10. Rachael S. Knight (2010), FAO legislative study 105. Statutory recognition of customary land rights in Africa An investigation into best practices for lawmaking and implementation.
11. Zerfu Hailu (2016). Land Governance Assessment Framework Implementation in Ethiopia final Country Report
12. Hussein Jimma, *The Politics of Land Tenure Ethiopian History:Experience from South*, (Center for Environment and Agriculture studies,Trondheim, Norway, 2004.
13. Ethiopia - Agricultural land (% of land area) https://tradingeconomics.com/ ethiopia/ agricultural-land-percent-of-land-area-wb-data.html gaafa 11/21/19 kan ilaalame.
14. Policies and Proclamations Relevant to Pastoral Areas Land Management for Ethiopia, Kenya and Uganda; IGAD Centre for Pastoral Areas and Livestock Development (ICPALD) Review Report | December 2016
15. Melese Damte, Land Ownership and Its Relations to Sustainable Development, in Muradu Abdo (ed.), Land Law and Policy in Ethiopia Since 1991: Continuities and Changes, Ethiopian Business Law Series, Vol.III, Addis Ababa University, School of Law, 2009
16. Melkamu Belachew and Shewakena Aytenfisu (2010). Facing the challenges in building Sustainable Land Administration Capacity in Ethiopia
17. Harrison Dunning (1970), ‘‘Land Reform in Ethiopia: A Case Study in Non-Development’’, UCLA L. R.
18. USAID Country Profile, Ethiopia Property Rights and Resource Governance Profile
19. Crewett, W., A. Bogale, and B. Korf. 2008. Land Tenure in Ethiopia: Continuity and Change, Shifting Rulers, and the Quest for State Control. CAPRi Working Paper 91. International Food Policy Research Institute: Washington, DC.http://dx.doi.org/ 10.2499/CAPRiWP91
14. Keith Clifford Bell (2007). Good Governance in Land Administration FIG Working Week Hong Kong, China SAR.
15. Economic Commission for Europe, *Land Administration Guidelines*, 1996
16. Klaus Deininger, Harris Selod, and Anthony Burns (2012). THE LAND GOVERNANCE ASSESSMENT FRAMEWORK Identifying and Monitoring Good Practice in the Land Sector
17. Palmer, D., S. Fricska, and B. Wehrmann (2009). “Towards Improved Land Governance.” Land Tenure Working Paper 11, FAO and United Nations Human Settlements Programme, Rome.

18. Mahashe Chaka, Ntsebo Putsoa, Mankuebe Mohafa (2018). Land Governance in an Interconnected World. Annual World Bank Conference on Land and Poverty.
19. Zakaout, W., Wehrmann, B., & Torhonen, P. (2006). *Good governance in land administration: Principles and good practices.* Washington: The World Bank.
20. Mamphaka Jeanett Mabesa and J. F. Whittal, Governance in Land Administration Systems: A comparative analysis of the former (LSPP) and current (LAA) land administration. 2014
21. FIG NO. 45, *Land Governance in Support of the Millennium Development Goal,*2009
22. FAO (2007): Good governance in land tenure and administration. Rome. www.usp.ac.fj/fileadmin/files/faculties/islandsllandmgmt/docs/LandSeminar2008/FAO_LandTenure_Studies_09_Good_Governance_in_Land_Tenure_and_Administration.pdf
23. Babette Wehrmann (2008). LAND CONFLICTS, a practical guide to dealing with land disputes supported by GIZ
24. Commission for Africa Addis Ababa, Ethiopia (2017). Addressing and Mainstreaming Land Governance in the African Peer Review Mechanism.
25. Williamson, I. (2001). Re-engineering land administration systems for sustainable development - from rhetoric to reality.
26. Kombe, W.J., & Kreibich, V. (2000). Infromal land management in Tanzania. Sring Research Series, Vol 29. Dortund: Spring Centre.
27. Tony Burns (2007). Land Administration Reform: Indicators of Success and Future Challenges. Agriculture and Rural Development Discussion Paper 37
28. John, B. W., & Anna, K. (2009). Structures and stratagems: Making decentralization of authority over land in Africa cost-effective. *World Development.*
29. Schneider, A. (2003). Decentralization: conceptualization and measurement. *Studies in Comparative International Development*
30. Burns, T., & Dalrymple, K. (2008). Conceptual framework for governance in land administration. *FIG Working Week 2008.* Stockhalm, Sweeden

**B) Heerotaafi Seerota**

1. Heera mootummaa RDFI
2. Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyyaa'e, 1994.
3. Heera Mootummaa Hailesillasse bara 1955 Fooyyaa'ee
4. Proclamation No. 89/1997, Federal Rural Land Administration
5. Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Oromiyaa, Labsii lak. 130/1999
6. Dambii bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa Oromiyaa lakk. 151/2005.
7. Labsii Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Mootummaa Federaalaan Bahe, Labsii Lak. 456/1997
8. Public Ownership of Rural Lands Proclamation No. 31/1975
9. Labsii Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naanoo Oromiyaa, Lab. Lak.56/1994, 70/1995 fi 103/1997

10. Labsii Bulchinsaa fi ittifayadamaa lafa baadiyyaa mootummaa naannoo oromiyaa lakk.70/1995
11. Labsii Bulchinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk.103/1997
12. Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak. 213/2011

**C) Tarree Dhimmoota (List of Cases)**

1. Aadde Burtukaan Tolaa v Obbo Darajjee Girmaa, Dhaddacha Ijibbaataa, MMWO, Lakk.G. 333084, gaafa 01/03/2013 kan murtaa'e
2. Obbo Faaris Indashaa v Obbo Fiqaaduu Ambassee, Dhaddacha Ijibbaataa, MMWO, Lakk.G. 304237, gaafa 04/10/2011 kan murtaa'e
3. Aadde Malkituu Atoomsaa N-3 v Obbo B/saa Gaaddisaa Qana'aa N-3, Dhaddacha Ijibbaataa, MMWO, Lakk.G. 291240, gaafa 17/07/2011 kan murtaa'e
4. Obbo Maammoo Dureessaa v Obbo Faxxanaa Fayyisaa, Dhaddacha Ijibbaataa, MMWO, Lakk.G. 291777, gaafa 17/07/2011 kan murtaa'e
5. Waajjira Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Aanaa Baabboo Gaambel v Obbo Guddataa Gaarii N-9, Dhaddacha Ijibbaataa, MMWO, Lakk.G. 291875, gaafa 17/07/2011 kan murtaa'e
6. Aadde Shuree Muhaammad v Obbo Arab Jamaal Huseen N-2, Dhaddacha Ijibbaataa, MMWO, Lakk.G. 298069, gaafa 17/07/2011 kan murtaa'e
7. Obbo Mitikkuu Tafarraa v Obbo Wandimmuu Bafiqaaduu N-4, Dhaddacha Ijibbaataa, MMWO, Lakk.G. 298121, gaafa 17/07/2011 kan murtaa'e
8. Obbo Taajuu Kabbadaa v Obbo Badhaasaa Tarfaa N-3, Dhaddacha Ijibbaataa, MMWO, Lakk.G. 299257, gaafa 17/07/2011 kan murtaa'e
9. Caalaa Ida'oo v Buubee Harmii, Dhaddacha Ijibbaataa, MMWO, Lakk.G. 320416, gaafa 17/02/2013 kan murtaa'e
10. Insarmuu Galataa v Gulummaa Gammachuu, Dhaddacha Ijibbaataa, MMWO, Lakk.G. 332699, gaafa 01/03/2013 kan murtaa'e
11. Baqqalaa Daanyee v Toomas Yilmaa, Dhaddacha Ijibbaataa, MMWO, Lakk.G. 332711, gaafa 03/02/2013 kan murtaa'e
12. Galaanee Lammeechaa v Taaddasaa Indashaw N-2, Dhaddacha Ijibbaataa, MMWO, Lakk.G. 333055, gaafa 22/03/2013 kan murtaa'e
13. Ajajaa 50 Sabbooqaa Magarsaa v Iteenesh Wandimmuu, Dhaddacha Ijibbaataa, MMWO, Lakk.G. 333318, gaafa 01/03/2013 kan murtaa'e
14. Itichaa Soorii v Baqqaluu Waldee, Dhaddacha Ijibbaataa, MMWO, Lakk.G. 333350, gaafa 17/02/2013 kan murtaa'e
15. Daakkoo Gurmuu v Mabraatuu Alamuu N-5, Dhaddacha Ijibbaataa, MMWO, Lakk.G. 333421, gaafa 08/03/2013 kan murtaa'e
16. Roobaa Tarrafaa v Abaaboo Tarrafaa N-2, Dhaddacha Ijibbaataa, MMWO, Lakk.G. 333471, gaafa 24/02/2013 kan murtaa'e

17. Mana Amantaa Bataskaana Kidanamiret Bareedaa Soorumaa v Tamasgeen Taayyee, Dhaddacha Ijibbaataa, MMWO, Lakk.G. 333865, gaafa 08/03/2013 kan murtaa'e
18. Tafarraa Kaasahuun v Immabeet Kaasun, Dhaddacha Ijibbaataa, MMWO, Lakk.G. 336006, gaafa 10/02/2013 kan murtaa'e
19. Mastawat Tolosaa v Biraanuu Tolasaa, Dhaddacha Ijibbaataa, MMWO, Lakk.G. 336236, gaafa 29/03/2013 kan murtaa'e
20. Hajii Hasoo v Gishee Idiriis, Dhaddacha Ijibbaataa, MMWO, Lakk.G. 299801, gaafa 17/07/2013 kan murtaa'e
21. Aadde Baatiree Deesisaa v obbo Caannee Baqqalaa, Dhaddacha Ijibbaataa, MMWO, Lakk.G. 300319, gaafa 17/07/2013 kan murtaa'e
22. Amaanee Muhaammad v Daammanuu Geetaachoo, MMO Godina Arsii, Lakk. Galmee 82295, gaafa 08/05/2011 kan murtaa'e
23. Aadde Qalamawaa Leencoo v Aadde Wasanee Leencoo N-4, MMO Godina Arsii, Lakk. Galmee 83076, gaafa 28/01/2012 kan murtaa'e
24. Muhaammad H/Abdurroo v Jawaaree Kamaaloo, MMO Godina Arsii, Lakk. Galmee 83482, gaafa 18/07/2011 kan murtaa'e
25. Jamaal Maammoo v Amiinaa Muhaammad, MMO Godina Arsii, Lakk. Galmee 88003, gaafa 24/07/2011 kan murtaa'e
26. Amaan Huseen v WBIL Magaalaa Balee, MMO Godina Arsii, Lakk. Galmee 89941, gaafa 21/04/2012 kan murtaa'e
27. Masjidul Rahmaa N-2 v Aadde Shiittaa Lammaa, MMO Godina Arsii, Lakk. Galmee 90025, gaafa 21/04/2012 kan murtaa'e
28. Obbo Jamaal Amaan v Waajjira Misoomaa fi Maanaajimantii Lafa Magaalaa Hamdaa Diksiis, MMO Godina Arsii, Lakk. Galmee 90292, gaafa 13/02/2012 kan murtaa'e
29. Tashoomaa Nagaashuu v Baacaa Nagaashuu, MMO Godina Arsii, Lakk. Galmee 90311, gaafa 25/05/2012 kan murtaa'e
30. Aadde Fayyisee Gizaaw v Obbo Damissee Waaqaalafaa, MMO Godina Arsii, Lakk. Galmee 91181, gaafa 17/06/2012 kan murtaa'e
31. Daani'el Isheetee v Isheetuu Magarsaa, MMO Godina Arsii, Lakk. Galmee 91638, gaafa 20/06/2012 kan murtaa'e
32. Abdu-shukuur Taajuree v Hiikee Daaluu, MMA Leemmoo fi Bilbiloo, Lakk.Galmee 41050, gaafa 13/06/2012 kan murtaa'e
33. Obbo Tujumaa Dhadhii v Obbo Ababaa Dabalee fa N-3, Mana Murtii Aanaa Sabbataa Awaas, Dhaddacha Sivilii, Lak. Galmee -59020 Guyyaa Murtii -17/05/2010.
34. Obbo Wandimmuu Hordofaa faN-18 v Adde Faantuu Takilee fa N-2, Mana Murtii Aanaa Sabbataa Awaas, Dhaddacha Sivilii, Lakk. Galmee -590104, Guyyaa Murtii -04/05/2010.
35. Obbo Dheereechaa Lammeechaa faN-2 Obbo Katamaa Warquu fa N-2, Mana Murtii Aanaa Sabbataa Awaas, Dhaddacha Sivilii, Lakk. Galmee -59091, Guyyaa Jal -Murtii 20/03/2010.

36. Obbo Dheereechaa Lammeechaa faN-2 Obbo Katamaa Warquu fa N-2, Mana Murtii Aanaa Sabbataa Awaas, Dhaddacha Sivilii, Lakk. Galmee -59091 ,Guyyaa Murtii -01/05/2010
37. Adde Moominaa Hassanee v Adde Saaniyyss Aadam fa N-2, Mana Murtii Aanaa Ciroo Lakk. Galmee -43522, Guyyaa Murtii -15/5/2012
38. Obbo Ahmaad Yusuuf v Obbo Asfaaw Taklee, Mana Murtii Aanaa Ciroo,Lakk. Galmee –hin dubbifamuu,Guyyaa Murtii –hin dubbifamuu , Guyyaa himaanni itti Dhiyaate- 02/11/2011 fi 17/02/2012.
39. Obbo Rashiid Dullee v Obbo Mahaammad Aliyyii, Mana Murtii Aanaa Ciroo Lakk. Galmee -41064, Guyyaa Murtii -22/11/2011.
40. Obbo Ahmad Aliyyii v Obbo Mahaamad Waadaay fa N-4, Mana Murtii Aanaa Gumbii Bordoddee, Lakk. Galmee -04043, Guyyaa Murtii -03/07/12.
41. Obbo Ahmad Aliyyii v Obbo Mahaamad Waadaay fa N-4, Dhimmaa Mana Murtii Aanaa Gumbii Bordoddee, Lakk. Galmee -04043,Guyyaa Murtii -03/07/12
42. Obbo Ibsaa Abramaam v Adde Faamii Ahmaadoo Dhimmaa Mana Murtii Aanaa Gumbii Bordoddee Lakk. Galmee -04156, Guyyaa Murtii -2/4/2012
43. Obbo Mahhamaad Aadaam v Obbo Abdoo Xahiree, Mana Murtii Aanaa Gumbii Bordoddee, Lakk. Galmee -02677, Guyyaa Murtii -5/3/2011, Guyyaa himaanni itti Dhiyaate- 5/11/2010
44. Obbo Yaasiin Abdalla v Obbo Ahmaad Ibroo fa N8, Jidduu lixaan Bulchinsaa Araddaa Saaroo , Mana Murtii Aanaa Ciroo, Galmee –hin mul'atu, Guyyaa Murtii -20/5/2012, Guyyaa himaanni itti Dhiyaate- 21/09/2011
45. Obbo Maadii Hassanee fa N-3 v Obbo Warqaalammaahuu Dagafaa fa N-3, Mana Murtii Olaanaa G/H/Lixaa Lakk. Galmee -55512,Guyyaa Murtii -26/02/2013 ,Guyyaa oliyyannoo itti Dhiyaate- 12/01/2013
46. Adde Asnaaquu Isheetuu v Adde Kallilee isheetee, Dhimmaa Mana Murtii Aanaa Alaltuiu Lakk. Galmee -13590, Guyyaa Murtii -21/02/2012, Guyyaa himannii itti Dhiyaate- 18/10/2011
47. Addee Tsiggee Mulugeetaa v Obbo Makbiib Mulugeetaa fa N-5, Dhimmaa Mana Murtii Aanaa Alaltuiu, Lakk. Galmee 14262, Guyyaa Murtii -19/06/2012, Guyyaa himannii itti Dhiyaate- 03/06/2012.

48. Himaataan - Hin mul’atu v Himaatamtoonni –hin mul’aatuu, Dhimmaa Mana Murtii Aanaa Gumbii Bordoddee,Lakk.Galmee -02486, Guyyaa Murtii -21/06/2011, Guyyaa himannii itti Dhiyaate- 26/07/2010
49. Obbo Waldee Habtamaariyam v Adde Sisaayii Dastaa, Dhimmaa Mana Murtii Olaanaa G/Sh/Bahaa, Lakk. Galmee -52332,Guyyaa Murtii -30/08/2010 ,Guyyaa oliyyannoo itti Dhiyaate- 22/06/2010
50. Obbo Alamaayyoo Isaayaas v Obbo Kumaaa Iddoo, Dhimmaa Mana Murtii Olaanaa G/A.N/F/dhaddacha H/H, Lakk. Galmee -39159, Guyyaa Murtii -03/07/2012
51. Obbo Lataa Raggasaa v Addee Dammituu Gammachuu, Dhimmaa Mana Murtii Olaanaa G/A.N/F/dhaddacha H/H, Lakk. Galmee -39198, Guyyaa Murtii -30/06/2012 ,Guyyaa oliyyannoo itti Dhiyaate- 04/06/2012
52. Obbo Hayiluu Kabbadaa v Obbo Sisaay Kabbadaa, Dhimmaa Mana Murtii Olaanaa G/A.N/F/dhaddacha H/H, Lakk. Galmee -38962, Guyyaa Murtii -04/06/2012
53. Obbo Tganuu Dhaabaa fa N-2 v Obbo Alamaayyoo Simee, Dhimmaa Mana Murtii Olaanaa G/A.N/F/dhaddacha H/H, Lakk. Galmee -39187, Guyyaa Murtii –10/07/12.
54. Obbo Ibsaa Tunee v Obbo Abraahim Aliyyii fa na-2, Dhimmaa Mana Murtii Olaanaa Go/Ha/Lixaa, Lakk. Galmee -52602, Guyyaa Murtii –23/03/2012, Guyyaa Oliyyannoo itti Dhiyaate- 21/10/2011.
55. Obbo Ammayyaa Huseen (Iyyataa) vs. Waajjira Lafaafi Eegumsa Naannoo Aanaa Adaamii Tulluu, Komishinii Hiikkaa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Lak. Gal. 0001-27/10/2011 kan murtaa’e
56. Ad. Haliimaa Mohaammad (iyyattuu) Vs. Ob. Adam Abdii, Mana Maree Federeeshinii RDFI,Waggaa 5$^{ffaa}$, Bara Hojii 2$^{ffaa}$,18/10/2007 kan murtaa’e

**D) Tarree Af-gaafatamtootaa (List of Interviewees)**

1. Obbo Ibsaa Daksiisaa, A/Seeraa MMOG Gujii Lixaa, gaafa 02/02/2013 kan gaggeeffame
2. Obbo Dammallaash Dhugaasaa, Pirezidantii MMA Bulee Horaa, gaafa 02/02/2013
3. Obbo Barcuu Birree, Itti Gaafatamaa Mana Hojii Abbaa Alanagaa Godina G/Lixaa, gaafa 02/02/2013
4. Aadde Roozaa Mohaammad, Dursituu Garee Babal’inaa fi Hirmaannaa Sochii Dubartootaa Godina Gujii Lixaa, Afgaaffii gaaffii gaafa 02/02/213 gaggeeffame

5. Gargaaraa Inspector Aschaaloo Abarraa, A/Ad.Statistiksii, Gabaasaa fi Karooraa Qajeelcha Poolisii Godina Booranaa, gaafa 03/02/2013 kan gaggeeffame
6. Obbo Guyyoo Dheeraa, A/Ad.Pirojektii Investmementii Godina Booranaa, gaafa 03/02/2013 kan gaggeeffame
7. Obbo Tokkummaa Caalaa, Pirezidantii MMA Yaabeelloo, gaafa 03/02/2013 kan gaggeeffame
8. Obbo Jaldeessaa Huqqaa, Hoogganaa Waajjira Qindeessaa Misooma Horsiisee Bulaa Godina Booranaa, gaafa 05/02/2013 kan gaggeeffame
9. Obbo Kadir Shubbee, A/Ad.Bulchiinsaa fi itti fayyadama Lafa Baadiyyaa Aanaa Abbayyaa, gaafa 06/02/2013 kan gaggeeffame
10. obbo Roobaa Muxuraa, Itti aanaa hoogganaa waajjira misooma beeladaa aanaa Abbaayyaa, gaafa 06/02/2013 kan gaggeeffame
11. Obbo Radi'eet Biraanuu, Dursaa Garee ENJQ Aanaa Abbayyaa, gaafa 06/02/2013 kan gaggeeffame
12. Obbo Dastaa Shibbiruu, Bulchaa Itti aanaa Aanaa Abbayyaa, gaafa 06/02/2013 kan gaggeeffame
13. Inspector Aanaa Tulluu, Divizhinii (division) Bulchiinsa Qabeenya Humna Namaa Waajjira Poolisii Aanaa Heexoosaa, gaafa 10/02/2013 kan gaggeeffame
14. Obbo Xilaahun Adabaa, A/Seeraa fi Bakka Bu'aa Pirezidantii MMA Heexoosaa, gaafa 06/02/2013 kan gaggeeffame
15. Obbo Dabballee Musxafaa, Abbaa Alangaa MHAA Godina Arsii, gaafa 10/02/2013 kan gaggeeffame
16. Obbo Fayyisaa Abdii, A/Adeemsa Bu'a qabeessummaa pirojectoota investimentii f B/B itti gaafatamaa, gaafa 10/02/2013 kan gaggeeffame
17. Obbo Shigidii Guddataa, Itti gaafatamaa waajjira Bulchiinsa Godina Arsii, gaafa 10/02/2013 kan gaggeeffame
18. Aadde Mabraat Waaqee, itti gaafatamaa waajjira Dhim.DDD aanaa Leemmoo fi Bilbiloo, gaafa 10/02/2013 kan gaggeeffame
19. Obbo Huseen Jawaaroo, itti gaafatamaa waajjira investmentii aanaa Leemmoo fi Bilbiloo, gaafaa 11/02/2013 kan gaggeeffame
20. Obbo Fayyisa Dirribaa, pirezidantii MMA Leemmoo fi Bibliloo, gaafa 11/02/2013 kan gaggeeffame
21. Obbo Tashoomaa Gammadaa, ogeessa mala qonnaa Godina Arsii, gaafa 11/02/2013 kan gaggeeffame
22. Obbo Xilaahuun Shaambal, Dursaa Garee Extension Qonnaa Godina Arsii, gaafa 11/02/2013 kan gaggeeffame
23. Aadde Biqilee Asfaawu, Biiroo DhDD Oromiyaatti Dursituu Garee Guddina Dinagdee Dubartootaa, gaafa 30/02/2013 kan gaggeeffame
24. Obbo Fayyisaa Tolasaa, Mana Murtii Waliigala Oromiyaatti Qindeessaa Dhaddacha Ijibbaataa, gaafa 01/03/2013 kan gaggeeffame

25. Obbo Tamasgeen Lammeessaa, Abbaa Taayitaa ENBJQ Oromiyaatti, ogeessa Seeraa, gaafa 09/03/2013 kan gaggeeffame
26. Obbo Sintaayyoo Befiqqaduu, Abbaa Taayitaa ENBJQ Oromiyaatti, Daayirketera Daayirketooreetii To'annoo fi Hordoffii Hojiirra Oolmaa Seerota Eegumsa Naannoo, gaafa 09/03/2013 kan gaggeeffame
27. Aadde Zamzam Abbaas, Abbaa seeraa MMA Leemmoo fi Bilbiloo, gaafa 11/02/2013 kan gaggeeffame
28. Inspector Birruu Lammaa, Abbaa Adeemsa Qorannoo Yakkaa Waajjira Poolisii Aanaa Leemmoo fi Bilbiloo, gaafa 11/02/2013 kan gaggeeffame
29. Shibbii Unkamee, Hogganaa waajjira bulchiinsaa fi itti fayyadama lafaa godina Gujii Lixaa
30. Gobbuu Turee, ogeessaa paakejii hordoffii fi deeggarsa qabeenya uumamaa midhaanii Komiishimii Horsiise Bulaa Godina Gujii Lixaa
31. Abrahaam Galaa, Hogganaa Abbaa taayitaa eegumsa naannoo, bosonaa fi jijjiirama qilleensaa Godina Gujii Lixaa
32. Indaashaaw Waganee, Hojjetaa Karooraa Abbaa taayitaa eegumsa naannoo, bosonaa fi jijjiirama qilleensaa Godina Gujii Lixaa
33. Mallasach Baqqalaa, Hoggantuu waajjira misooma albuudaa godina Gujii Lixaa
34. Kaalii Dhaabbatta Bosonaa fi Bineensota Bosonaa Godina Gujii Lixaa
35. Warquu, abbaa alangaa waliigala oromiyaatti waajjira abbaa alangaa aanaa Bulee horaa
36. Jiloo Guyyoo, itti gaafatamaa waajjira dhimma dubartootaa, daa'immanii fi dargaggootaa aanaa Yaaballoo
37. Buzaayyoo Hayluu, haadha adeemsa dargaggootaa fi daa'immaanii waajjira dhimma dubartootaa, daa'immanii fi dargaggootaa aanaa Yaaballoo
38. Adan Jaarsoo, abbaa adeemsaa waajjira investmentii aanaa Moyaalee
39. Nuuraa Boonayyaa, deeskii qindeessaa komishinii horsiise bulaa aanaa Moyyaalee
40. Bulee Halakee, I/A hogganaa waajjira qonnaa fi qabeenya uumamaa aanaa Moyaalee
41. Guyyoo Halakee, hogganaa wajjira bulchiisnsaa fi itti fayyadama lafaa aanaa Moyyaalee
42. Liiban komishiniii dhaabbata horsiise bulaa aanaa yaaballoo
43. Diidaa Halakee, dursaa garee waajira bulchiinsaa fi itti fayyadama lafaa godina Booranaa
44. Ahimad Ibraahim hojjetaa karooraa waajira bulchiinsaa fi itti fayyadama lafaa Godina Booranaa
45. Taadhii Garbii, I/G waajjira abbaa taayitaa misooma albuudaa godina Booranaa
46. Kaasahun Geetuu, [saajin ol'aanaa] A/Adeemsa qorannoo yakkaa waajjira poolisii aanaa Yaaballoo
47. Waariyoo I/A I/G waajjira qonnaa fi qabeenya uumamaa godina Booranaa
48. Mohaammad Kadir, I/G deeskii investimentii aanaa Yaaballoo
49. Waddeessa Saafayii, I/G waajira bulchiinsaa fi itti fayyadama lafaa aanaa Bulee horaa
50. Naanaatii Fiqaaduu, B/B I/G waajjira dhimma dubartootaa, daa'immanii fi dargaggootaa aanaa Abbayyaa

51. Asiraat Indaalaa, ogeessa eegumsa midhaanii waajira qonnaa fi qabeenya uumamaa aanaa Abbayyaa
52. Mulugeetaa Badhaasooo, ogeessa misooma midhaanii waajjira qonnaa fi qabeenya uumamaa aanaa Abbayyaa
53. Saj. Tamasgeen Kabbitee, qorataa waajira poolisii aanaa Abbayyaa
54. Gannaa Baasee, I/G waajjira investimentii aanaa Abbayyaa
55. Mohaammad Tolaa, I/G waajjira bulchiinsaa fi itti fayyadama lafaa aanaa Heexosaa
56. Guyyoo Huqqaa, I/G mana hojii abbaa alangaa godina Booranaa
57. Abdulakiim Dambobii, I/G mana hojii abbaa alangaa aanaa Moyyaalee
58. Amaanuu Tusuu, I/G mana hojii abbaa alangaa aanaa Heexosaa
59. Ahimad Attiyyoo, ogeessa karooraa fi bajataa deeskii misooma albuudaa aanaa Heexosaa
60. Iyyoob Gannishee, A/Adeemsa sosochii babalina hirmaannaa dubartootaa waajira dhimma dubartootaa, daa'immannii fi dargaggoota godinaa Arsii
61. Amaan Tunnuu, I/A waajira bulchiinsaa fi itti fayyadama lafaa godina Arsii
62. Fiqaaduu Nagaash, Mahaandisa Jallisii waajjira qonnaa fi qabeenya uumamaa aanaa Leemmoo fi Bilbiloo
63. Billoo Baqqalaa, qindeessaa ragaa waajjira qonnaa fi qabeenya uumamaa aanaa Leemmoo fi Bilbiloo
64. Yohaannis Luulsaggad, ogeessa sarveyarii waajira bulchiinsaa fi itti fayyadama lafaa aanaa Leemmoo fi Bilbiloo
65. Huseen Mohaammad, I/G waajira bulchiinsa aanaa Leemmoo fi Bilbiloo
66. Insp. Milkeessaa Bayyaa, I/A daarikteera daarektoreetii qorannaa yakkaa qajeelcha poolisii godina Arsii
67. Sulxaan Abdulmaalik A/A kenna hayyamaa fi bulchiinsaa abbaa taayitaa misooma albuudaa godina Arsii
68. Bashir Nabii bulchiinsa qabeenya namaa abbaa taayitaa misooma albuudaa godina Arsii
69. Shawaaraggaa Kabbadaa, I/G dhaabbata bosonaa fi bineensota bosonaa Oromiyaa Damee Arsii distiriktii Cilaaloo
70. Huseen Amaan, I/G waajjjira bulchiinsa aanaa Heexosaa
71. Biqilee Asfawu, dursituu garee guddina diinagdee dubartootaa, daa'immanii fi dargaggootaa biiroo dhimmama dubartootaa, daa'immanii fi dargaggootaa Oromiyaa

**E) Marii Garee (Focus Group Disccussions)**

**A.** Abbaa Taayitaa ENBJQ Aanaa Heexoosaa: Marii Garee: gaafa 10/02/2013 gaggeeffame

1. Tsaggaayee Nagaash----Itti gaafatamaa 2) Abduldaffaar Kamaal--- A/Adeemsaa 3) Darajjee Dabalaa --- Ogeessa seeraa 4) Mohaammad Nagahoo ---Qabeenya Humna Namaa 5) Huseen Amaan---Ogeessa Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo fi hawaasaa 6) Xaayer Gammachuu --- Kunuunsa Naannoo

**B.** Qonnaan bultoota gandoota adda addaa irraa waajjira lafaa aanaa leemmoo fi bilbiloo dhimmaaf dhufan 4 waliin gaggeeffameera